# KARAA HAQA

**Seenaa fi dhaamsa ergamoota Waaqayyo haala macaafa Musee, faarfannaa Daawitii fi wangeelaatiin wayita ilaallamuu**.

## Ariirrata

Mamaaksi gossa Wolof ,Afrikaa lixaa Seneegaala, "Dameen mukaa hagam bisaan keessa turus, nyaacha ta'u hin danda'u" jedha. **Sirnaalee amanttaa garaa garaa adeemsisuun nama haqaa nama hin taasisu isa jedhu calaqisudhaaf mamaksa kana kaasan.** Dalagaalee gaarii dalaguun namoota fula duratti qajeeltoota nu fakkeessuu danda'u , garuu fula Waaqayyo duratti namoota haqa nu taasifachuu hin danda'an. Inni yaada namaa keessaa waan beekuf jechudha.

Mata dureen **Karaa haqa** jedhu kun afaan Seenegaala Afrikaa lixaa afaan gossa wolofiin "Yoonu Njub" , isa jedhamu irraa hika Ingliffaatti deebi'ee dha. Jalqabatti Sagantaan Raadio walfaannee Afaan wolof Afriikaa lixaatiin ummatta Muslima Senegaaliif sagantta dhiyaataa ture dha.

Saganttaan **karaa haqa** jedhamu kun Macaafa Muusaa(Toraah), irraa jalqabee, itti fufinsaan kutaalee 100 tokkoon tokkom isaani daqiqaa15 dheeratan, gurra namootaa macaafa Raajichaa, jaalala waaqayyo hin jijjirramne ilmaan namaatiif qabu ibsudhaani fi deebii gamachisaa Waaqayyoo umaan raajichi Iyoob gaaffi waggaalee 4,000 dura,akka armaan gaditti akkan jedhe gaafatetti:

"**garuu namni akkamitti Waaqayyo duratti qajeelaa ta'uu danda'a ree**?" Jedhe gaaffi gaaffateef saganttaa deebii keennuu dha. Iyoob 9:2. Galanni Waaqaaf hata'u!

**Kaayyoo saganticha**

Kaayyoon Sagantaa kanaa wanttoota lama isaan armaan gadi lafa kaa'amani dha.

1. Hika afaan garaa garaa mijeesuu fi gutummaa addunyaadhaaf tajaalila tamsaasa keennu dha.

2. Muslimoota Ingliffa dubbatan jidduu adaa kitaaba dubisuu safisuufi akkasumas namoonni gara biro immoo hubannaa waa'ee dhaamsa ergamaa Waaqayyo gadii fageenaan akka hubatan gargaarufi dha.

Hawaasni Muslimaa , Waaqayyo yaada isaa kitaabilee Qulqullaa'o arfaniniin, Jechunis (Tooraah, Faarfannaa,Wangeela, fi Qur'aanaan) akka ibse ni amanu. Muslimoonnii muraasa oduu gamachuu ,waa'ee Waaqayyo, Tooraah ,Faarfannaa fi Wangeela irraa dhaga'udhaaf carraa argachuu danda'u ta'a. Haata'u malee namoonni lakkoofsa hin qabnne ammallee waa'ee uumaa isaani dhaga'udhaaf carraa hin arganne,**Kutaaleen dhibba tokko armaan olitti ibsaman sun warra carraa hin arganneef carraa guddaa ta'u isaanitti abdiin keenna guddaadha.**

- ✓ **Ammanttonni Islaamaa Quraanni waa'ee, Macaafa Tooraa,(Taurat), Faarfanna (Zabur), fi Wongeela (Injil) akka isaanitti amanan isa raajichii ajaje wayita dhagahan, baayyee malalfatu.** Seenaan waa'ee kana hunddaa dubbatuu macaafa Qulqulluu laatiin jedhamuu afaan Ibrootaatiin fi Greekiin keewwamni jiru.

*Quraanni akkana jedha " wantaa sif ibsinee yoo shakitee, warra si dursani macaafa Qulqulluu dubbisan gaaffadhu jedha" Qura 10:94.*

*" macaafa Tooraah qajeelchaa f i ibsaa ta'e isiinif keeninee jirra" Qura 5:44.*

- ✓ *Haalumaa Noohitti,fi raajoota isa boodaa muldhanneen; akkuma Abrhaamiif, Ismaa'eliif, Isaaqiif, Yaaqobiifi gosota hunddaaf, yosuufiif, Iyoobiif,Yoonaasiif, Arooniif, Solomonii fi Daawiitiif isa Macaafa Faarfannaa busneef(Qura 4:165).*
- ✓ *Yesus ilma Maariyaam fakkenya Raajootaa akka hordoofufi macaafa Tooraa isa dura bu'e mirkaneesuu, wangeela isa qajeelchaafi ibsaa ta'ee kenineeraaf(Qura 5:46).*
- ✓ Namoonni Macaafa haarka ergamootaatti eerginne kana akka dubbii dharaatti fudhatan cufatti itti murama.

*Sansalanni morma isaannitti marmee Jaannama keessa bishaan danffee fi abiddaan ni gubamu(Qura 40:71).*

*"Ennullee Yaada Waaqayyo jijiruu hindanda'u" Qura 6:34.*

*Dubbiin Waaqayyoo gonkumma hin jijiramu, innis moo'annaa guddaadha."(Qura 10:64).*

- ➢ Haagam Quraanni,Tooraa, Faarfannaa irraa, fi wangeela irraa sadarkaa kanatti haadubatu malee, yaadni **macaafni Qulqulluun jijirameera** jedhu gama hawaasa Musliimotaan ni calaqifama, hata'u malee isa hin jijiramne of haarkaa waan hin qabneef warra mormaniif ijjonnoon isaani kun isaaniin fagoo hin deemsisu.

- ✓ Garuu dhugaa yeroo ammaa jiruu wayita laalluu , Godambaa ykn muuziyeemi addunyaa gutu argaman keessa kitaabileen kan akka barrulee harkaa, kumaatamaan lakka'aman isaan Quraana dursani bara dheera jiraatan keessa macaafni isaan harka amantota wanggeelaatiin jijirameera jedhan sun argamuu hin dandenye.
- ✓ Macaafa Qulqulluun nu haarka jiruu kun godanbaa ykn Muuziyeemi beekamoo addunyaa keessaa argamee dha.Macaafni Qulqulluun macaafa seenaa mirkaneessuu, seenaale addunyaa garaa garaa nubarsisuu,Quraana isa jaarraa 6 ffaa keessa barreeffame irraa fagoo kan caaluudha.

Barnoota kana keessa Mata dure kutaa ≠/ 90 gabaabinnaan ni ilaallaa, maaliif? "Nyaata beekuudhaaf" nyaata sana dhandhamachuun barbaachisaadha akka jedhamutti, barnoota karaa haqa nu barsisuu kana gadii fageenyaan itti deemna jechu dha.

**" Inni da'oo amansisaa dha jennuu, gufu badisaa ta'a"** ,akkuma jedhamuu karaa keenya sirritti qorachuu sakata'u qabna.

*Sagalee Waaqayyo tartibaan walfaannee wayita dubisnuu akka malee sodaachisa! Sagaleen Waaqayyo ni dubifama malee sirumaa dubbiin Waaqayyo hin gargaarru.*

Dubbiin Waaqayyoo Jiraataa dha, human hojjatus of keessaa qaba,billaa gara lamaan qarame caalaa qara qaba, innis lubbuu fi haafuura buusaa fi dhuka gargar ni baasa yaadaafi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf ni danda'a.13 wanti Waaqayyoo uume tokkoo illee isa duraa dhokachuu hindanda'u wanti hundinuu saaqamaa ija isaa durattis muldhataa dha. Ib 4:12-13.

- ✓ ***Uummanni wolofi biyya Seenegaala yoo mammaaksan " dhugaan akka barbarree arraba gubudha" akkasumas " namni damma barbaaduu kanniisa ari'uu qaba " jedhani mamaaksu. Haalumaa walfakaatuun, yoom iyuu taanaan humni Waaqayyo lafa muldhatutti fi karaan waaqayyo mi'aayaa isa karaa haqaa, daanddi balaa qabuudha, karaa jibaati, ariannaa fi karaa du'aati.***

Raajiichi Soloomon akkana jedhe:

Karaa qajeelummaa irra jireenyatu jira,

Dhugumaa inni karaa ba'eesa ta'ee hojjatameedha'

Dunis isa irra hin jiru.

Fakk 12:28.

Dubbiin kun hala arginu wajjiin deemaa ree? Jireenya keenya keessa maal shaakalaa jirra laata?Yaa firoota koo, fuldura Waaqayyootti, " nama haaqa ta'uudhaaf dirqamaan wantoota sirraa'an qofa daanddii keenya irratti eguu ykn hawwachuu hin qabnu". Waaqayyoo guddaadha! Namoota karaa isaa karaa haaqaa barbaadaniif, isa dalagaa sirnaalee amantaa raawwachuudhaan jireenna argachuu hin danddeenne, du'a bara baraa irraa fi human cubbuu irra gati tokko malee nu fayisudhaaf waadaa galeera, sammu Kenya ni haareessa, gamachuu hin jijiiramnee nuf keenna, isa wajjiin firoomina abbaafi ilmaa arganna kanaaf bara baraan samitti isa wajiin akka jiraannuuf goftaan yesus bakka keenyatti aarsaa nuf ta'e. Amen!

***Waaqayyoo "Isin ana ni barbaaddattu garaa keessan gutuudhaan yoo ana barbaaddan ana ni argattu."*** (Ermiyaas 29:13)

## KUTAA I : KARAAN HAQA AKAATAA KITAABA TORAATIIN(MACAAFA MUSEE) WAYITA ILAALLAMU.

### Kutaa 1ffaa Barumsa 1ffaa

### Waaqa Dubbatu!

Seensa

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa arjummaa isaatiin karaa haqa qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaarudhaa fi isa wajjiinis bara baraan jaalalaaniifi nagahaan akka jiraatan godhu Maqaa Waaqayyo hunddumaa ol ta'een, ulfinna onnee keessaa burqeen nagaa! siniin jenna!!

Hardhas barnota gammachisaa walitti fufu **karaa haqa isa jedhuu** kana isiniif dhiyeesuu dandda'uu kenyatti gammachu daanggaa hin qabneetu nitti dhaga'ama. Barsisaan isa dhugaa isa qofaa dha, ammas nubarsisuu f i karaa keenya qajeelchudhaaf nu wajjiin jira. Ameen !Waaqayyo guddaa dha!

Brrulee raajootaa namooni qajeelummaa hin qabnee akkamitti qajeelumma fuldura Waaqayyootti argachu akka danda'an waan ibsuuf Saganttan karaa haqa jedhama kun isiniif qophaa'e jira.

- ✓ **Karaa kami irra deemaa jirtaa laata? Karaa haqa hordoofaa jirta laata moo karaa dogora ta'e?**

Karaa haqa isa Waaqa biraa argame baruu barbaaddaa ree? Dubbiin Waaqayyoo akkana jedha:

*Warri waan qajeelaa akka midhaanii beela'anii,*

*Akka biishaanii dheebotan haagamadan,*

*Isaan geessifachuuf jiru. Maat 5:6.*

Namoonni tokko tokko, nuti karaa dhugaa ni beenna jechu danda'u. Caaffata raajootaa irraa dhiimma hin qabnuu jechuu danda'u. Yaadaa raajootaa irratti ilaalchi ati qabdu Waan ani beeku anaaf ga'aa dha jechuu yoo ta'ee, mee dubbii raagaa Waaqayyo Solomon haa ilaallu,

*Karaan qajeelaa namatti fakaatu jira, dhumni isaa garuu karaa dhu'aa ti. Fakk 14:12.*

Kitaaba Waaqaa Faarfannaa Daawiiti, Qur'aana keessati immoo Zabuur jedhamee beekkamu, Daawiit Abbaaan Solomon karaa Haqa isa Waaqayyoo qopheessa baruun murteessa akka ta'ee barreesseera.

*Faar 14:1-3 Hundinuu karaa irraa goraniru, Hundinuus wal ga'anii manca'aniiru*

*Namnii gaarii godhu tokko illee hinjiru.*

*Rooma 3:23 hundinuu yakkaniiru, ulfiinni Waaqayyoo isaan irratti hir'ateera.*

*Kanaaf ture Daawit kadhannaa isaatti:*

*Faar 25:4*

*Yaa Waaayyo karaa kee akka beeku godhi*

*Daanddii kees nabarsiisi.*

- ✓ Gargaarsa Waaqayyoon malee karaa haqa, dandeetti keennaan, ogummaa keennaan bira ga'uu hinganddeennu. Akka daa'ima magaalaa finfinnee keessa karaa dhabee sansaranuu yookiin akka hoolaa gammoojjii keessa badeetti tanaa jechudha. Garuu dubbiin Waaqayyoo " Waaqayyo du'a nama tokkolee akka hin barbaannee fi namani

hundinuu  dhugaa beekuu bira akka ga'u jaallatuu  nutti hima" 2Ph 3:9,1Xim 2:4 .Daawiti abbaan solomoni karaa isa Waaqayyoo ilmaan namaatiif qopheesse beekun barbaachisaa akka ta'e  cimsee dubate ture.

**"***Gowwonni garaa isaanitti Waaqayyo hin jiru ni jedhu". Faar 14:1-3; Rooma 3:10,12*

Namni garaa isaatti amanee qajeelaa ta'a.  **Yaa Firoota koo! karaa haqa ta'e adda baastani  beekuu  keessan   wajjiin waan qixaa'u biyya lafaa kana keessa wantta tokkollee hin jiru.**

Saganttaa karaa haqa kana keessa , macaafa Qulqulluu **walfaana ilaalla. Seenaalee  raajoota Waaqayyoo jalqabaa hangga xumiraa tokkoon tokkoon ilaalla.**Dubbiin Waaqayyoo jalqabaafi xumura qaba. Akana jechuun Mataafi eegee qaba jechuudha. Kanaaf seenaalee macaafa Qulqulluu keessa jiran  bakka Waaqayyoo jalqabee, seera uumamaa  irraa kaasnee qo'achudhaaf karoorfanne jirra jechudha.

Waa'ee Waaqayyoo fi Waa'ee eergamoota isaa wanttoota heedu baranna. Kana maleesse macaafa Qulqulluu raajoonni baay'eeni akka barreessanitti ilaala. Haata'uu malee kana irratti Barreessaan dhugaa tokko qofa.Isa  raajootatti dubbatee isaan immoo haalaafi adaa isaanittiin waan isa irraa caqasan  barreessan, burqaan isaani Waaqayyo dha.  **Kitaabileen raajoota seenaalee heedduu haaqabaatan  malee: dhaamsi jidduu gala isaani garuu  Namoonni fuldura Waaqayyootti karaa kamitiin  karaa haqa akka argatan agarsisudha.**

Kanaaf  guraafi garaa keesan nutti keenatani  amanamummaadhaan  sagantaa karaa haqa akka nudhageeffatan isin gaaffanna. **"Suuta suutaan  namni Jaldeessa baddaa adamsa", akkasumas "namni obesee laga bishaan waraabbatanitti ta'uu meeshaa ittiin bisaanwaraabtuu argata."** Mamaaksa gosa Wolofidha**.**

*Enyuullee  Waaqayyootti dhiyaachuu yoo barbaadee  inni akka jiru,warra isa barbaadaniifis gati isaanii akka keenuuf amanuun  isa irra jira. Ibroota 11:6*

*. Isaan ana ni barbaaduu garaa isaani gutudhaan ana yoo nabarbaadan ana ni argatu. Er 29:13*

Barnoota karaa haqa kana irratti beekumsa waa'ee Waaqayyoo fi dubbii isaa qabnuu ni guddisna. Waaqayyo maala akka fakkaatu beeyitaa laata? Sexxanni isaa dhufee laata? Waaqayyoo ilmaan namaa akkamitti akka uumee beeyitaa? Ykn cubbuun ardii bareedduu Waaqayyoo uumee kanatti akkamitti seenee? Seenaa diinqisisaa waa'ee  raaji Noohi fi  lolaa ykn galoo bara isaa ta'e asiin

dura dhageette beeyitaa laata? Dhugamaan raajoonni Waaqayyoo wanta barreesan ni beeyitaa laata? Abrihaam maaliif jaala Waaqayyoo jadhamee asiin dura beektaa laata? Dhaamsa Waaqayyo karaa raajootaatiin dabarse hiriiyoota keetiif ykn immoo maati keetiif ibsuu danddeetaa laata?

*Baroota kumaatama dura raajichi Iyyoobi gaaffi tokko gaaffate.* ***Namni fuldura Waaqayyootti attamitti qulqullaa'u danda'a? Iyyoob 9:2.***

Deebii Waaqayyoo Iyyoobiif keennee yaadataa laata? Akkamitti fuldura Waaqayyootti nama haqa akka ta'u danddeetu beeyitaa laata? Gaafilee kanaaf deebii argachuu yoo barbaaddee sagantaa karaa haqa dubbii Waaqayyo irratti hunddaa'e kana akka caqastan jaalala Waaqaatiin isiin affeerra.

*Dubbiin Waaqayyoo xilla dha, diinqiidha jiraatadhas. Wanti Waaqayyoo uumee tokkoo illee isa duraa dhokachhu hindanda'uu ifa dha , ija isaa durattis muldhataa dha. Ibroota 4:13.*

Waaqayyoo dubbatee jira, inni waan takkaa kan akka isa dubatuu hin jiru, Waaqayyoo ilmaan namaatiif dubbateera, **sif illee dubbachuu barbaada. Xalayaa nama sodaachisuu mootii biyya fagoo irra siif yoo eergamee ni dubistaa? Wantta siif barreeffamee hubattaa? Dhaamsa mootichi siif eergee yaadataa? Eegaa dhaamsa mooti mootoota irraa dhufee hagam caalaa xiyyeeffachhu qabna ree!**

- ✓ Waaqayyo ilmaan namaatiif akkamitti dubbataa? Macaafni Qulqullun ,bara duriitti Waaqayyo yeroo baay'ee karaa garaa garaatiin raajootaan abbooti keenyatti dubateera. Guyyoota bara kanatti immoo ilma isaatiin nutti dubate. Ibroota 1:1. Dhugaa dha karaan waaqayyoo namatti dubatu karaa raajootaaniin ture. Bara duritti Waaqayyoo namoota muraasa akka dubbii Waaqayyoo dubbataniifi barreessanniif isaan mude;

  "*akkana jedha, Raajii dubbachhuun takkaa jaalala namaatiin hin taane garuu namoonnii hafuura Qulqulluudhaan geeggeffamani waantta Waaqayyo biraa fudhatan dubbataniiru". 2phex 1:20-21,*

- ✓ Waaqayyo ofii isaatiin yookiin karaa ergamoota isaatiin macaafa Qulqulluu barreessuu ni danda'a ture. Haata'u male inni kana godhuu hin barbaannee, garuu namoota gadi'antoota , barumsaafi fudhatama hin qabnee akka barreessaniif filate. **Namoota sanas raajoota jedhe waame.** Warra sanas barreessasaa jenne waamu danddenna.

Wantoota barreessuu qabanis sammuu isaani keessa kaayee, isaanis maqaa waaqayyotiin jedhani barreessan.Innis adaa isaanitiin akka bareesaniif mirga keenneefi. Yaada hunduumaa hafuuraan haa geeggeessuu malee ennummaa raajootaa hin jibinee ture. Dubbiin Waaqayyoo dubbii isaa qofaa oso hinta'iin yaada, kadhannaafi rakko namoota isiniif ana fakkaatan uf keessaa qaba jedhuudha.

Seenaalee sana fakaataniin namoota barsisa, akkasumas inni maal akka fakkaatuufi , haala kamiitiin gara isaa akka dhiyaanuu nu nubarsisa jechudha. Waaqayyoo maaliif raajoota kitaaba Qulqulluu akka barreessaniif isaan kakkaasse? Waa'een inni isaan kakkaaseefi dhaloonni dhufu waan innii beeku qabuu akka beekuu danda'uufi. Inni raajootaaf waan dubbachuuf barbaadeef, anaafi isiniif karaa barruulee isaaniitiin dubbachuu waan barbaaduufi. Wanttoonni Waaqayyoo karaa raajootaan dubbatee hunddii, hundda keennaaf bu'a qabeessa dha. Waaqayyo anaafi isiniin eergaa raajootaa akka hubannuu nu irraa barbada jechuudha.

Namoonni tokko tokko raajoonni jalqabaa wanta dubatan ana hin ilaalatu jedhu danda'u. Raajoonni tokkoon tokkoon isaani dhimma galmaan ga'u qaban dhunffaatti qabu. Kaayyoon isaani waan galmaan gaheef anna hin ilaalatu jedhu. Isiin illee akkana yaaduu laata? Yaadni Waaqayyo yaada namoota sanaa waajiin wal hin simatu. Me Wanta Waaqayyo jedhuu dhaggeeffadhu:

*Caaffanni qulqullaa'aan gaggeessaa hafuura Waaqayyootiin Caafame, barsisuuf balleessaa hubachisuuf, qajeefchuuf, qajeelluummaatis leenjisuudhaaf gargaaru. 2Ximo 3:16*

Kanaaf namni abboommota hundumaa irraa xinaatan keesaa diigee diigamu isaas namota barsisu, mootuummaa Waaqaa keessatti isa hundumaa irra xinaatu ni jadhama.

Dhimmii guddaan raajoonni barreesaaniif karaa haqa isa Waaqayyo qopheesse agarsisuufi.

*Dubbii kana akka ibsaa iddoo dukanaatti ibsuutti, yaadaan duukaa yoo butan gaarii gochuu keesan.Maat 5:19.*

Namoonnii baayyeeni macaafa Qulqulluu falmuu. Manamuudhaaf hin ta'u! dogongoora baayyee qaba. Jijirameera! **Jedhani falmuu. Inni dubbii Waaqayyoo falmuu, Waaqayyo wajjiin falma. "**Buphaan kattaa wajjiin falmuu hin danda'uu!" Sagaleen Waaqayyo kattaadha, namni immoo akkuma buphaa dha. Namni dubbii Waaqayyo jijiruu hindanda'uu garu dubbiin

Waaqayyo ilma namaa jijiruu danda'a. Waaqayyo guddaadha dubbii isaa bara baraatiif eegganno godha.

*Kanaaf Injiila keessa, Ardii fi samiin ni dabruu, dubbiin Waaqayyo garuu bara baraan jiraata jedha.Maat 24:35.*

Waan yaada garaa isaani falmuuf namoonni baayyeen dubbii Waaqayyo falmu. Waa'ee dubbii isaa wanta Waaqayyo jedhu mee ni ilaalla:

*Dubbiin Waaqayyoo jiraataa dha, humana hojjatus of keessaa qaba, billaa gara lamaan qara qabu caalaa qara qaba, innis lubbuu fi hafuura, buusaa fi dhuka gara gara hin baasa, yaadaafi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf ni danda'a. Ibroot 4:12.*

Dhugaa dha, macaafni qulqulluun kitaaba duriiti ,hata'uu malee, jiraata waan ta'eef dhaloota yeroo amaatiifis ni dubbata:

Dubbiin Waaqayyo akka **nyaata marqaa itittuu waliin nyaataaf dhiyaateetti fakkeesinu danddeenya** ,marqaa itittuu waliin nyaachuun baayyee nama gamachisa, garuu yoo fudhannee nyaachuu hin dandeenne, bu'aa tokkollee nuf hin keennuu jechuudha. Hala walfakaatuun ani irraa bu'a argachudhaaf fudhe nyaachuu qaba jechu dha. Isa jireenna namaa jijjiree hara galfata bara baraa keennuu sagalee Waaqayyo nyaachuu qaba. Yoo dhag'uu didee immoo, akkuma nama marqaa ijaan arguu fudhee nyaachuudhaaf feedhii hin qabneetti jireenyii koo fakkeeffama jechudha.

*Namnii nyaata qofaan jiraachuu hin dand'uu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hunduumaan male. Maat 4:4.*

*Warri waan qajeelaa akka miidhaanii beela'anii,*

*Akka bisaanii dheebootan haa gamadan*

*Isaan geesifachuudhaaf jiru.*

*Maat 5:6.*

*Dubbii Waaqayyoo dhaaf beela qabdaa? Inni nyaata miidhagaa dha. Inni nyaata foon ilma namaa gabsiisuu qofaa mitii, inni ahuuraafi lubbuu namaa tasgabbeessa.*

*Sagantaan kara haqa kana hunddii keenya akka hafuuraan gabbannuuf qophaa'eeraati sirritti haa hordoofnu. Nuti gama keenyaan waanuma Waaqa irraa arganne isiniif keeniina.*

*Namnii yoo Waaqa irraa isaaf keennamee malee waan tokko illee fudhachuu hin danda'u.*

*Yoh 3:27.*

*Nuti garuu dubbii afaan Waaqayyootti guddaa ni abdanna. Kaayyoon keenyas karaa raajootaan wantta ibsee labsuudha.*

*Nuyi obsaafi jajjabiinna caaffanni qulqullaa'oon nuuf keennaniin abdii akka argannutti wanti caaffata qulqullaa'oo keessatti caaffaman hundiinuu nubarsisuudhaaf caaffaman.*

*Roona 15:4.*

*Waaqayyoo dubbateera, namnii hunduunuu akka dhaga'u ni barbaada, Guddaan, xiqaan, haawwootiin, abbootiin, hiyyeessaa fi soreessaaf, akkana jedha:*

*Gara koo kottaa! Gurra keessan  gara kootti qabaa, akka jiraattaniifis  dubbii koos dhaga'aa!*

*Isa 55:3.*

**Kutaa 1ffaa Barumsa 2ffaa**

**Waaqayyo Maal fakkaataa?**

Uumama 1

Michoota dhaggeeffattoota keeyya  maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa  arjummaa isaatiin qopheessee  ilmaan namaa  dhugaa kana akka beekaniif ajajamanis gargaaruui isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa burqeen   nagaa! siniin jenna!!

Hardhas barnota gammachisaa walitti fufu **karaa haqa isa jedhuu**  kana isiniif dhiyeesuu dandda'uu kenyatti  gammachu daanggaa hin qabneetu nitti dhaga'ama. Barsisaan isa dhugaa Waaqayyo qofaa dha, ammas nubarsisuuf karaa keenya qajeelchudhaaf nu wajjiin jira. Ameen !Waaqayyo guddaa dha!

Sagantaalee kanneenn keessatti  waa'ee raajoota tokkoon tokkoon  isinii  irratti  ibsudhaaf ni yaalla. Irrattu immoo raajoota waa'ee karaa haqa isa waaqayyoo  mirkaneeffate  kaayee dubbatan ilaalchisee sagantaa kana keessa xiyyeeffanna jechuudha.

Kutaa tokkoofaa irratti barruulee raajootaa raajoonni heedduu barruulee sana akka barreessaniifi isaan heedduu hat'an malee burqisiisaan isaani immoo tokko akka ta'ee innis Waaqayyoo ta'uu isaa ilaallee turre.

Gara dumaatti waaqayyo akka dubatuu, karaan inni dubbatus karaa raajootaa fi karaa barruulee isaan barreessaniin a akka ta'ee, nutis isaan akka dhaggeeffannu, barreeffamma hadhallee isaanitiin Waaqayyoo akka Dubbatuu ilaalleerra. Waaqayyoo , dubbiin isaas hin jijirammuu, dhaloota hundumaa keessatti inni dubbii isaa raawwachuudhaan balaa garaa garaa irraa hinittisa.

*Biyyi lafaa ni jijiirama garuu dubiin Waaqayoo bara baraan hin jiraata.*

*Yohaanis 10:35, 1yoh 2:17,1phex 1:25.*

Hardha kutaa macaafa Qulqulluu isa jalqabaatti irraa egallee ilaalla. Innis Toraah kitaaba ykn (peentaatuuki) jedhama. Kitaaba kana Waaqayyo sammuu nama Musee jedhamuu keessee kaayee ture. Innis wanta barreessuu qabu itti agarsisee innis isuma sana barreesse. Bara Musee irraa jalqabee waggoota 3500 dabranii jiru. Toraan jechunis kitaabni Musse kitaabilee 5 of keessaa qaba. Inni jalqabaan immooKitaaba Seera Uumama dha. Kitaabni Sera Uumamaa immoo hara baafata 50 of keessaa qaba. Waan jalqabatti ta'ee hundda gabaasuuf uumama yookiin jalqa jedhame ni beekama jechudha.

- ✓ Sababiin kitaaba uumamaa irra xiyyeeffanuufi , kitaabni kun bu'ura isa waaqayyo dursee lafa kaa'ee waan ta'eef, kana malees kitaabilee raajoota gara biroo keessa wantta dubbataman hunddumaa hubachuudhaaf waan nu gargaaruufiidha.

Yammuu kitaaba kana qo'annuu hubannaan keenna ni gabbata, hubannaa waa'ee karaa haqa baayyee murtteessaa isa ta'e bira gahu ni danddeenna jechudha.

- ✓ Kutaa kana keessa, Waaqayyoo maal akka fakkaatu , waa'ee eergamoota, waa'ee seexanaa, waa'ee ardiifi samii , waa'ee beeladaafi ilma namaa ilaalla.
- ✓ Cubbuun biyya lafaatti haala akkamitiin akka seeneefi balaa fi gadda fide ilaalla.Kana malees ,karaa haqaa isa Waaqayyo namoonni yakkamtootaa gara isaa deebii'ani isa wajjiin naggaa dhaan akka jiraatan qopheesse ilaalla.
- ✓ Seenaa jalqabaa keesa waa'ee namoota jalqabaa, waa'ee cubbuu jalqabaa fi waa'ee ajjeecha jalqabaa ilaalla. Halumaa walfakaatuun seenaa Adami, Haawwaa, Qaa'eeli fi

Abeeli, Noohi fi seenaa bisaan loolaa, dabalataanis , waa'ee Abrihaam maaliif jaala Waaqayyo akka jedhame moggaafame ilaala.

- ✓ Itti ansuudhaan seenaa Ismaa'el fi Isaaqi, Esaawu,Yaaqubi, Yooseef fi waa'ee oboolaa isaa hamtootaa sana ilaalla. Walumaa galatti Tohraan jechuunis kitaabni Musee seenaalee kaneen hundumaa of keessaa qaba jechuudha.

"*Waaqayyo jalqabatti banttiwwan Waaqaatiifi lafaa Uumme." Uumama 1:1.*

Lakkoofsa kana irratti gaaffi gaaffachuu qabnuu, isa wajjiin kan uume, uumaan gara biraa jiraa isa jedhudha? Ardiiniifi samiin oso hin uumamiin dura uumaan gara biraa Waaqayyoon malee jiraa laata? Kitaabni Qulqulluun Waaqayyoon malee waan tokkoo illee akka hin jirree nutti hima. Fagoo fagoo bara durii keessa, yeroo aduun, samiifi ardiin, garba, muka, ji'a, eergamoonniifi ilmii namaa bara hin turre, Waaqni kophaa isaa jiraata ture. **Kitaabni Qulqulluu, Waaqaa fi eergamoota, ykn jalqabatti Waaqaa fi nama hin jenne**. Wanni hundiinuu oto hin uumamiin dura "tokko" Waaqa tokko tuu jira jedha.

Addunyaa kana keessatti namoonni tokko tokko, "Waaqayyoon ija foonitiin argamuu Waan hin danddeenyeef, Waaqayyo hin jiru" jedhu.

- ✓ Namoota jireenya waakkataa akkanaa keessa jiraniif gaaffi tokko gaaffachuu barbaanna. (Atom)**Atoomii** akkamitti amantanii? Ooksjiini ykn qiilleensaa itti gargaarmtan akkamitti amanttani?qilleensa agartanii beekituu laata? ila foonitiin arguu hin danddeettan! garuu bubisee yammuu muka sochosuu waan argitaniif ni amanttu. Qilleenssa ijaan hin argituu garuu bubisee wayita siqabaneessu ilaalta male. Waa'een Waaqayyoos kana wajjiin walfakkaata. In ija foonitiin hin muldhatuu, garuu wantoota muldhatan ni hojata, hojiin sunis human namaa ol wanta ta'eef jiraachuu Waaqayyo nutti hima jechudha.

Waaqayyo jiraataa waan ta'eef uumama isaa ilaalla jechudha.

*Bifni isaa ijaan hin argamne, garuu humni isaa inni bara baraa, Waaqummaan isaa, erga biyyi lafaa uumame jalqabee waan inni uume irratti qalbifatamee yaaddatti argamuu ni danda'a.*

*Rooma 1:2o.*

- ✓ Waaqayyo jalqaba hin qabuu. Inni jalqabatti uume malee hin uumamne. Inni mootii bara baraati. Waanni biyya lafaa keessa beeknufi aggarruu cufti jalqabaa fi dhuma qaba garuu

Waaqayyo jalqabaa fi dhuma hin qabu. Kan isa wajjiin qixxaa'u tokko ille hin jiru. Kan isa uume, dhalchees, hin jiruu, innis ofi isaa hin uumne. Kaleesas,haardhas inni sanuuma; **hin jijiiramu.Ameen!**

Seera Uumama 1:1, dabalataan inni waan hundumaa uume, waan hundumaa caalaa ta'uu isaa nu barsisa. Inni guddaa guddaa caaluudha. Garaa keenyaaniifi qalbii keenyaan Waaqayyo guddaa dha jenne labsina.

Afaan Arabaatti Uumaa jchuun allah jechudha, Waaqa guddaa, takkollee isa wajjiin kan qixaa'u hin jirre; uumaa waan hundumaa, galaan, garba, isaan lafa irra munyuqan hundumaa, aduu fi ji'a hundumaa uumuu isaatti fi isaan irratti oto hin irkatiin jiraachuu danda'u isaa ibsa. Ilmaan nama jiraachudhaaf dawoo garaa garaa, nyaata garaa garaa, dhugaati garaa garaa, waayaa, aduu kaneeniifi kan kaneen fakkaatan wantoota heeduu barbaadu. Waaqayyo garuu kanneen hundumaa malee jiraata. Hin beela'u hin dheebootus, beelaafi dheebuu baasa male. Amen. **Inni kophaa isaa humana qabeessa dha.**

- ✓ Iddo kannati gaaffii barbaachisa ilaalla. **Inni akka namaa qaama hin qabuu, egaa maal fakkaata ree laata?** Kitaabni Qulqulluun ifaa ifatti :

*Waaqayyo afuura warri isaaf sagadan hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun ni ta'a,jedha Yoh 4:24*

Ilmii namaa huuraafi foon qaba, Waaqayoo garuu **hafuura qofaadha,** kanaaf namoonni isa waaqeeffatan hafuuraan isa waaqeessuu qabuu jechudha. Hafuurrii Waaqaa hin daanggeeffamu**.** Inni bakka hundumaa argama, waan hunddaa olidha. Waan hundumaa argaa, guyyaani fi galgalli isa duratti tokko dha.Bolla keessa yoo dhokkatte inni achitti ni jiraa si argas**.** Kanaaf, Waaqayyo maal fakaata ree laata? Yaadnii addaa sammuu keetti dhufee? Hin sodaatiin,Ininuu ofi isaa ifa waan ta'eef sif ibsa malee, carraaqii keetiin isa baruudhaaf hin dhama'iin.

- ✓ Firoota koo, waan hardha barannee ,me kanaan golabaana,**Waaqayyo ennuun illee isa hin fakaatu. Waaqayyo kophaa isaa Waaqa, tokko illee kan isa qixaa'u hin jiru.** Barnoota itti anuun immoo kana caalaa hubaan keenyaa dabalaa akka deemu ni amanna. **Inni Waan hundda beekaa dha**. Inni yaada garaa kennaa fi karora sammuu keenya ni beeka. Inni guddaa guddaa caaluudha. Kitaalibee Qulqullaa'o keessatti Waaqayoo maqaalee dhibbaan lakka'aman ni qaba. Inni goftaa dha. Guddaa guddaa caaluu,

Hundumaa danda'a, Uumaa, jalaqabaa jireenna, ibsaa, Waaqa haqa, Qulqulluu, garaalaafeessa, Waaqa jaalalaa kan fakaatanidha. **Inni Waaqa jiraataafi Waaqa dhugaadha!Ameen!**

**Kitaabni Qulqulluun Waa'ee Waaqa dinqii kanaa akkana jedha:**

*Wanta hundumaa Waaqatu uume, wanti hundumtuu isaan jiraata, wanti hundumtuu isaaf ni jiraata bara braan isaaf galanni hata'u! Rooma 11:36.*

*Waaqayyo inni eebifamaan kophaa isaa waan hundumaa oli jiru, warra moototа ta'an irratti, inni mootii ta'e warra gooftoota ta'anitti inni gooftaa ta'e yeroo isaaf ta'utti kristoos ifatti dhufuu isaa ni agarsisa. Waaqayyo qofaa hin du'u, ifa homtinuu itti dhi'achuu hin danddeenye keessa jiraata, namni takkaa isa hin argine isa arguus hin danda'u isaaf ulfinnii fi aangoon bara baraa haa ta'u. Ameen.*

*1xim 6:16.*

- ✓ Ammallee namoonni tokko tokko: ilmii namaa Waaqa beeku hin danda'u akkasumas waanta ta'uuf jiruu hin beekuu jedhu: Garuu eergaaleen raajootaa akka isa beekuu fi issa arginnu nuttiagarsisu.

Jireenya bara baraa qabaachu keessan akka **beektaniifan** kan hundumaa isiniif barreesse.

*Ilmi Waaqayyoo dhufee isa dhugaa sana* ***baruudhaaf hubannaa akka nuf kanne*** *nuyi hin beekna.*

*1yoh 5:13,20.*

*Waaqayyo garuu hafuura qulqulluudhaan isa kana nutti muldhise:*

*Yaada Waaqaa isa gad fagoo iyyuu qoree bira ni ga'a.*

*1qor 2:9-10.*

Yaa michoota koo, maal isinitti fakaata? Isa wajjiin bara baraan jiraachuu yoo barbaaddan, isa beekudhaaf yoo barbaaddan inni waamicha isiniif godhaa jira:

*Isin warri andaara lafaa jiraatan hundinuu, gara kootti deebi'atti fayyinna argadhaa!*

*Isa 45:22.*

Gaaffii yookiin yaada yoo qabaatan,

**Saanduqa**

**Weebsaayiti**

**Emaili** kanaan nu argachuu danddeettu

EEbifamaa

*Waaqayyo afuura warri isaaf sagadan hafuuraa fi dhugaadhaan isaaf sagaduun ni ta'a.*

*Yoh 4:24*

**Kutaa tokkoffaa barumsa 3ffaa**

Seexanaafi eergamoota/maleekoota

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa isa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniif ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! siniin jenna!!

Hardhas barnota gammachisaa walitti fufu mata dure **karaa haqa isa jedhuu** kana isiniif dhiyeesuu dandda'uu kenyatti gammachu daanggaa hin qabneetu nitti dhaga'ama. Barsisaan isa dhugaa isa qofaa dha, ammas nubarsisu karaa keenya qajeelchudhaaf nu wajjiin jira. Ameen !Waaqayyo guddaa dha!

Isa 14, Hisq 28

Saganttaa darbee keessatti seera uumamaa 1:1 gubbaatti, waa'ee uumamaa ilaallee ture; Waaqayyoon malee wantti hundinuu jalqabaaf dhuma akka qabuu arginee turre. humnni tokko illee kan isa moorkuu akka hin jiraannee, inni uumaa waan hundumaa akka ta'ee argineera; inni hin daanggeeffamu. Beelaafi dheebuu baasa malee hin beela'u hin dheebootus.

*Namni takkaa isa hin argine, isa arguus hin danda'u isaafi uulfinifi angoon bara baraan hata'u.Ameen.1ximo 6:16.*

Hardha immoo kitaabillee ergamoota irraa waa'ee eergamootaa/maleeka fi waa'ee Seexanaa ilaalla. **Maleekoonni esaa akka dhufan beetaa laata? Ykn Seexanni isaa akka dhufee quba qabdaa laata?** arjummaa Waaqayyoon malee wantoota kanneen beekuudhaaf siruumaa

hindanddeennu. Innis karaa dubbii isaatiin waan nutti dubbatuu qalbii gutudhaan yoo hordoofnee waa'ee sexaafi eergamootaa hubannaa kitaaba qulqulluu irraa argachu danddeenna.

Akkumaa armaan olitti ibsinee, **saganttaa karaa haqa kana** tarree tarreedhaan barruulee ergamoota jalqabaa hamma xumuraati ademsisna jechudha.

- ✓ Biyya lafaa nuti keessa jiraannuu kanatti odoo ilmaan namaa fi addunyaa hin uuminiin dura, uumama gara biroo kan waaqayyoodhaan **uumaman isaan uumama jalqabaa turan, ergamoota/maleekoota akka ta'an dubbii Waaqayyo irraa ilaalla.**

Sagaleen Waaqayyo waa'ee argamoota wantta baayyee nutti hima. Hardha waa'ee uumama addaa ergamoota wantoota murteessa ta'an irratti xiyyeeffanna jechudha.

*Bara durii keessa Waaqayyo inni hafuura ta'ee , wantoota hafuura ta'an heedduu uume. Isaan kun hundinuu hafuuroota hojii warra fayyinaa argachuudhaaf jiraniif hojjachuudhaaf ergaman mitii ree? Ibroota 1:14*

Ergamoonni akka Waaqayyoo haafura dha. Uumamni isaanis abiidaaniif i qilleensaan ni fakkeeffama. Qilleenssa ijaan hin arginu. Abiiddas harkaan qabuu hindanddennu. Haala ilama namaa uumeetiin Waaqayyo isaan hin uumne. **Namni fooniifi hafuura qaba. Garuu ergamoonni Waaqayyoo hafuura qofa qaban male foon hin qaban** jechudha. Waan kanaatiif nuti isaaniin arguu hindanddeennu jechuudha.

- ✓ Waaqayyoo eergamoota lakkoofsa hagami uume laata? Kitaabni Qulqulluun kana irratti maal dubbataa? Kitaabni Qulqulluu ergamoota lakkoofsaa ol ta'an akka waaqayyo uume nubarsisa, gubbaatti, argamuu Waaqayyoo fulduratti naan'ani dhaabbatu, lakkoofsi isaan immoo sagaleen Waaqyyo akka nutti himu:

*Kana booddee ani ergamoota baay'ee teessichatti, uumama lubbuu qaban sanatti manguudoota sanatti naanna'ani nan arge, lakkoobsi isaaniis kumaatama, kuma kumaatamaas ture.*

*Muldhat 5:11.*

- ✓ Waaqayyoo guddaadha uumama dinqiifi ba'eessa ta'an kanneen lakkoofsi isaani kumaafi kuma kumaatama ta'e ulfinna isaatiif uume. Inni guuddaa Waan ta'eef daangaa hinqabu daanggeeffamuu hin danda'u. Kitaabnii qulqulluun akka nutti himutti **ergamoonni Waaqayyo humana guddaa qabu**. Ilmaan namaa caala human qaban. Akkuma uumama gara biroo immoo isaanis **daanggeeffam**a qabu.Ergamoonni

Waaqayyo **Danda'aa hundumaa miti**. Waan **hundumaa hin beekan**, **iddo hundumaas hin argaman** jechudhudha. Isaan uumama dhugaa dha. Waan hundumaa kan beekuufi iddo hundumaa ala tokkotti kan argamuu Waaqayyo qofaa dha.

- ✓ Waa'ee ergamootaa kan nutii beeku qabnu : wayita Waaqayyo isaan uumeetti hunddii isaani **uumama qulqullaa'oo** akka turan; jalqabatti isaan keessaa ergamaan hamaa hin turre; jalqabatti Sexxanni afaan **Arabaatti ibilis,** hin turre.Hafuurri hamaan hin turre; Waaqayyo ergamoota hamaa hin uumne. Dubbii murteessa waa'ee jabaa ta'e dubbatu kana sammutti qabuutu nuf ta'a. Waaqayyoo waan gaarii malee hamaa dalaguu hin danda'uu amala isaas miti, inni qulqulluu waan ta'eef wanttaa qulqulluu hin ta'iin hin uumu. Inni **qajeelaa waan ta'eef hin dogoogoru.** Inni dhugaafi qulqulluu waan ta'eef cubbuun isa irraa hin dhufu.

Kanaaf dubbiin Waaqayyo;

*Namni Yommuu qoramu qoramsi kun Waaqayyo bira annatti dhufee hin jedhiin!Waaqayyo hamaa gochuudhaaf qoramuu hin danda'u, ofii isaatis nama tokko ille hamaadhaaf hin qoru.*

*Yaaq 1:13*

- ✓ Waaqayyo ergamoota maaliif uume? Kitaabni qulqulluun maaliif isaan akka uume yeroo ibsuu, gammachuu samittii bara baraan **akka isa jaallataniif, akka isa galateeffatanii fi isa tajaajilanifi isaan uume. Iddoon** addaa bakka Waaqayyo argamuu akka iruu yaadattee beeyitaa laata? Eeyyee, Barnoota darbee keessa Waaqayyo iddo hundummaa akka argamuu ilaallee turre, hata'uu malee kitaabni Qulqulluun iddoon mijataa, akka aduu ifuu fi bareedaa bakka Waaqayyo jiraatufi ulfiinna isaa ibsuu, ol samii gubbaatti akka argamuu nutti hima. Iddoon kun ,iddoo isa raajoonni mana Waaqayyo ykn jeennata jedhani dubbatan, iddoo Waaqayyo ergamoota isaa wajjii jiratudha.
- ✓ Dubbii ijoo waa'ee ergamootaa beekuu qabnu; **Ergamoonni hunddii wal hin fakkaatan**, garri isaani ergamoota kaan irraa caalaa bareeddootaa fi ogeeyyii dha, garrii isaan samittii teessoo Waaqayyo marsani ijaajju, garrii isaani immoo ilmaan namaa gargaaru ni eegus. Garrii isaan kan akka **Gabreelii**fi **Mikaa'eela** fula dura Waaqayyo dhaabbachuudhaan ganamaaf galgala biyya lafaa keessatti kaayyoo addaa raaw'atu jechuudha .

- ✓ Ergamoonni tokko tokko isaan kaan irratti olaantummaa qabu, Waa'ee Lusifeerii dhageette beeyitaa laata? Dubbiin Waaqayyo **Lusifeer ergamoota** irratti **hogganaa** akka ture nutti hima. Seenaa Lusifeeri yoo ka beektuu taanaan, **Seexanni** essaa akka dhufee quba qabaanna jechuudha.
- ✓ Kitaabni qulqulluun , jalqabatti Waaqayyo ergamoota wayita uumeetti,Lusifeer, irra caalaa,midhagaa,irra caalaa human qabeessaa fi ergamoota gara biroo caalaa beekaa akka ture nubarsisa. Lusifeer jechuun **calalaqaa** jechudha. Ergamoota hundumaa caalaa Waaqayyo isaaf ogummaafi hubannaa daangaa hin qabnee keenefi ture.Uumama Waaqayyo waan ta'eef, akka malee isa waan eebiiseenWaaqa waaqeessuu, jaallachuufi ajajamuufi qaba ture.
- ✓ Barreeffama ergamootaa keessa akka ilaalluutti, guyyaa tokko lusifeer uumaa isaa tuffachuu yaalee garaan isaa bonu dhaaf kakka'e. Garaa isaatii

*Ani gara banttiiwwan waaqaatti ol nan ba'a, urjoota Waaqayyo gararraas teesso koo nan dhaabadhaa tullu iddoo walga'ii isa dhuma gara bitaa jiru irra nan ta'a…. isa hundumaa gararraa jiruttis of nan fakkeessa ni jette. Isaa 14:13;14.*

Lusifeeriin isa ergaa isaaf keennameen ala hojjachuu hin qabne, ulfinna Waaqayyo hannaaf kajeele. Isa qofaa mitii,

***urjoota Waaqa keessa jiran harkka sadii keessa harka tokko fudhate ture****.Mull'ata 12:4.*

Hta'u malee Waaqayyo yaadaafi karoora Lusifeeri fi ergamoota isaa ni beeka. Maaliifi argaa isaan ala wanni tokko ille hin jiruu waan ta'e.

- ✓ Ergasi maaltu ta'e laata? Waaqayyo tarkaanffi akkami fudhatee laata? Teesso isaa akka fudhatu waan barbaadee akka dalguu eeyyameefi laata?dhugamaan Waaqayyo cubbu akkanaa laalee bira dabraa? Dhugamaan Waaqayyoo cubbu of tulummaafi fincila wajjiin jiraachu dandda'a? hin ta'u! inni qulqulluu waan ta'eef cubbu waliin walitti dhufenna hin qabu. Inni adda waan ta'eef cubbu hin obsu.
- ✓ Lusifeer cubbu dalagee, **maqaan isaas waan jijjirameef, si achi Lusifeer ykn, calalaqaa hin ta'u, Sexana male.** Sexana jechuun immoo ,faallaa jechudha**.Lusifeeris dina Waaqayyo ta'e.** Hamma ammaatti Lusifeeriini fi ergamoonni isaa Waaqaa fi

wantta dhugaa ta'e hundumaa didutti itti fufani jiru. Karoora waaqayyo balleessudhaaf sexaanni amma iyyuu ni falma, akkuma , Seenegaalonni mamaaksanitti "**buphaan kattaa wajjiin waldhaanso hin danda'u jedhanitti**" mo'ichi kan Waaqayyoti.

*Isaan baraa hamma baraatti halkaniifi guyyaa dhiphifamuuf jiru.*

*Mul'ata 20:10.*

Kana irratti Seexaanni yeroo ammaatti abidda bara baraa keessa miti. **Seexanni** yeroo ammaatti Adunyaa keessa jiraa hojii waaqayyoos falmuu itti jira. Dubbiin Waaqayyo ,**namoonni baayyeeni hidhaa seexanaa jala akka jiran hadubbatu malee, isaan seexanaan waan gowwoomaniif kana hin beekan. Inni burqaa sobaati:**

*Seexanni iyyuu ergamoota ifaa fakkaachudhaaf waan wallaalchifatuuf kun waan dinqisisu miti.*

*2qor 11:14, 1phex 5:8.*

Galanni Waaqayyoof hata'u, haxxuummaa isaa jalaa akkamiliqnuu Waaqayyo dubbii isaa nuf keenneera.

*Dhugicha ni beektu, dhugichis birmadummaa isin baasa.*

*Yoh 8:32.*

- ✓ Ilmaan namaa caalaa ogeessa waan ta'eef Seexana diqeesinee laalu hin qabnu. Haata'u malee Waaqayyo isa caalaa ogeessa dha. Inni nu caalaa jabaa dha, Haata'u malee Waaqayyo immoo isa caalaa jabaa dha. Namoonni maaliif Waaqa dhaga'u akka didan yaadataa? Seexanaan waan sobamaniifi Waaqayyoof fi dubbi isaa dhag'uu didan. Dhugaan yeroo baayyee gurratti namatti hin tolu ta'a, dhugaan akka " barbaree arraba namaa gubuuti" mamaaksa seenagaali irraa fudhatame.

Kanaaf me gara gorsa dubbii Waaqayyo haadeebiinu,

*Michoota koo ! warra hafuuraan ni dubbanna jedhan hundda hin amaniina, Waaqayyo biraa yoo ta'an hafuurata isaan dubbatan qoraati ilaala male, raajoonni sobdoonni baay'een gara biyya lafaatti ba'aniiru.*

*1yon 4:1.*

*Garuu waan hundumaa qoraa, isaa qajeelaa ta'e jabeesaati qabadha.*

*1Tasa 5:20-22.*

Waan nudhaggeeffataniif isin galateeffannaa mata dure itti anuttin walgarra

Gaafi ykn yaada qabaatan taanan

**Saanduqa**

**Bilbila**

**Weensaayitiin keenya**

*Dhugicha ni beektu, dhugichis birmadummaa isin baasa.*

*Yoh 8:32.*

**Kutaa tokkooffa barumsa 4 ffaa**

**Seera Uumama**

**Waaqayyo akkamitti addunyaa akka uume.**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa **karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee** ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaanii fi nagahaan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! siniin jenna!!

Hardhas barnota gammachisaa walitti fufu **karaa haqa isa jedhuu** kana isiniif dhiyeesuu dandda'uu kenyatti gammachu daanggaa hin qabneetu nitti dhaga'ama. Barsisaan isa dhugaa isa qofaa dha, ammas nubarsisudhaaf karaa keenya qajeelchudhaaf inni nu wajjiin jira. Ameen !Waaqayyo guddaa dha!

- ✓ Saganttaa darbee keessa , ergamoonni Waaqayyo waa'ee **Seexanaa fi ergamootaa** maal akka yaadan agarree ture.

Waaqayyo jalqabatti , hafuuroota miiliiyoonaan lakka'aman akka uume,ergamootas jedhe isaaniin akka moggaase agarre turre. Isaan jidduu dhaa immoo inni tokko isaan gara birooti caalaa **qaroo** fi, **midhagaa** ture. Maqaan isaas Lusifeeri ture, **Lusifeeri jechuun immoo calalaqaa** jechuudha.Guyyaa tokko Waaqa irra jibaati dhaan ka'e ulfinaafi teesso waaqayoo hannaaf ka'e. Waaqayyo immoo warra ulfinna isaa falman waan hin obsineef, Lusifeeri fi ergamoota karaa isaatiin sobaman hundda argamu isaa duraa balleesse. **Seexana jechuun dinna**

**jechudha**. Erga seexanaafi ergamoota isaa ar'ee boda abidda jaannama isaaniif qoppheesse. Guyyaa tokko seexanaafi hordooftota isaa hundda gara abidda bara baraatti darbamuun isaan hin olu. Kuni hunddii haata'u malee, seexanni hamma ammaatti si'olitti hin darbamne, warra isaan sobaman barbaacha biyya lafaa keesa asiif achii adeema naan'aas.Namoonni isaan sobamanis isa wajjiin si'olitti waliin baduu jechudha.

Kabajamoo yaa dhaggeeffatoota keenya, hardha kan barnannuu barreeffama raajoota keessa kutaa arfaffaa ta'a. Kitaaba toraah keessaa,ktaaba tokkooffaan seera uumamaa jedhame beekama.

Seera Uumama 1:1-2' **Duraan dursee Waaqayyo samii fi Ardii uume jadha,laftis bifa hin qabdu onaas ture, hafuuri Waaqayyoos bisaan irratti sosoch'a ture**.

Yeroo sana seexanaaf ergamoonni isaa qofaa achi turan. Haata'u malee Waaqayyo ilmaan namaa isaan danddeetti ogummaa, jaalalaa fi aboommii qaban uumuf karorfate ture. Kana durssee garuu iddoo jireennaa akka isaaniif ta'u jedhe Waaqayyo addunyaa uume.**Haardha sirnii uumamaa maal akka fakkaatuu fi Waaqayyo uumama isaatiif addunyaa kana akkamiitti mijeessa akka uume ni ilaalla.**

*Ani Waaqayyo guyyaa ja'a kessatti banti Waaqaatiif lafa, galaana wanta isaan kessa jiru hundumaas uumee, guyyaa torbaffaatti nan boqodhe.*

*Seera ba'u 20:11.*

*1. Guyyaa tokkoffaa ilaalchise*

*1:1-2' Duraan dursee Waaqayyo samii fi Ardii uume jadha,lafti bifa hin qabdu onaas ture, callabboo gadi fagoo irratti dukanatu ture,hafuuri Waaqayyoos bisaanirratti ni sosoch'a ture.*

*Seera Uumama 1:2-5.*

Kun guyyaa tokkoffaatti "dukana irratti haa **ifu**" jedhe ajaje. Lafa samii keessa akka kubbaa fakaatu sana sa'atii digdamii afur keesa ala tokko akka marsuu aboome. Waa'ee knaaf guyyaa kessa sa'aati 12 fi haalkan keess immoo sa'ati 12 argachuu dandeenne jechudha. Amma immoo me dukkana, ifa irraa gara gara baasuudhaan Waaqayyo dalagaa baasa ta'e akka hojjate ilaalaa!

2. Guyyaa lammaffaa, *" Waaqayyoo me bisaaniifi bisaan jidduu adda ba'uun haata'u; jedhe,Waaqayyo babaldisees, bisaan isa ol hafeefi gadi hafee gargar haa baasu!"* jedhe.

Uum 1:6-8.

Guyyaa lammaffaatti Waaqayyo **samii lafa naaneessee jiru** kana,ykn haala naanoojedhamnee beekamu uume. Haalaa naannoo/atmosfeera, isa samii marsee qilleensa uumamni lubbuudhaan jiraachuudhaaf gargaaramu of keessaa qabu sun, o'a aduu irraa fi balaawwaan baay'ee irra nu baraara jechudha. Samiin addaa oto hin jiraannee ta'e ilmii namaa ardii kana irratti jiraachu hin danda'u ture.

3. **Guyyaa sadaffaa**, guyyaa sadaffaatti Waaqayyo, garaba garaa garaa, lafa qore fi kuduraa/biqiltu garaa garaa uume. Kitaabni qulqulluun waan jedhu haa ilaalluu;

*" Bisaanoonni bantti Waaqa kanaa gadi jiran iddoo tokkotti walitti haa qabaman, lafti qoorees haa muldhatu" jedhe akkasumas ta'e. Waaqayyo isa* ***qooree 'lafa'*** *jedhe waame, isa bisaan walitti qabame immoo* ***'galaana'*** *jedhe waame. Waaqayyoo kunis midhagaa akka ta'ees arge.Ammas immoo Waaqayyoo, " lafti biqila haa baasu!Dhaabaan akka qomoo isaatti sanyii godhatu mukeetiin ija keenani iji isaanii immoo sanyii of keessaa qaban, aduma addaan akkuma qomoo isaanitti lafa irratti haa argaman jedhee innis akkuma sana ta'e…. galgallis ta'e, ganamnis ta'e kun guyyaa sadaffaa dha. Seera uumama 1:9-11,13.*

Waaqa beekaa fi ogeessa, guyyaa sadaffaatti , galaana garaa garaa fi lageen ,mukeenii fi biqiltu sanyii fi ija isii kumaatamaan lakkaa'aman wajjiin uume. Kan akka maangoo aplii, muzii wantootaa kana fakaatan kumaatamaan lakkaa'aman guddaa guddaa namatti tolan ilma namaatiif uume . Innis argee ,midhagaa dhaa ! jedhe. **Inni waan haamaa ta'e siruumaa hin uumu**.Ameen.

- ✓ Kana irratti akkana jette gaaffachuu danddeetta ta'a " **Waaqayyo oto arjaa ta'e jiruu biyyi lafaa maaliif haammeennaafi jequmsaan guttamtte**? Hojiin kiyya , qonni kiyya maaliif milkaa'uu dide? Mucaan kiyya maaliif dhibame? Yoo Waaqayyo arjaa ta'e hamaan ilmaan namaa keessaa maliif burqaa?" dhugummaan gaaffileen kaneen fakkaatan gaafiilee gaffatamuu qabanidha. Barumsi itti anuu gaaffiilee kanneeniif deebii ga'aa nuf keenna, mee ammaaf, sammuu keenyatti gaarummaa waaqayyo haa qabannu. **Wanni Waaqayyo uume hunddiinuu midhagaa dha**!

- ✓ Me qalbii kennatti **Gaarummaa Waaqayyo haa yaadanu**. Guyyaa sadaffaatti gosa mukoota garaa garaa akka uumee ilaallee jirra. Ija isaanii wajjiin maaliif akka uumee yaadattaa? Inni isaanitti ni hawwataa laat? Mukeeli midhagaa sanneen beela isaa qubsuuf uumee laata? Miti! Inni hin beela'u feedhiin akkanaa amala isaa miti! Egaa maaliif isaan uumee ree, yaadattaa laata? **Waaqayyo arjummaa isaatiin kanneen hundda kan uumee bu'aa ilmaan namaatiif jedhe isa guyyaa ja'affaatti isa uumudhaaf Adaamiif karoorfatee ture.**

Gaarummaa Waaqayyo adda baafate laata? Maangoo mi'aawaa isaa dhandhamatte ykn daraaraa urgoo isaa gammachisaa irraa arjummaa Waaqayyo bartee laata? Mukeeli gosa garaa garaa ilaalte siif akka uume agarte isa hin galateeffanne laata?

*Gaarmummaan Waaqayyo akkamitti akka ta'e isin miyeeffadhaa ilaalaa!*

*Faar 34:8.*

4. Guyyaa arfaffaa, *" guyyaafi haalkan gargar baasuuf bantti Waaqaatti ibsoonni haajiraatan! Isaan milikitoota buusaan waggaa guuyyoonni waggoonni isa ittiin beekaman haa ta'an!" jedhe.. Uum 1:14*. Waaqayyo akka salphaatti ajajee, **aduu, addeessa, fi Urjiin , samii irratti argaman jechudha.** Waaqayyoos dabalee dubbatee, ardiin aduu naana'uu jalqabde, ammallee, dabalee Waaqayyo ajajee, addeessi lafa naana'uu jalqabde.

**Waaqayyo waan hundumaa uumudhaaf maalidhaan gargaarame**? Dubbiin Waaqayyos maal jecha?

Akkana jedha:

Waaqnii fi biyyi lafaa sagalee Waaqayyootiin akka uumaman amanttiidhaan ni hubannaa, akkasittis wantti ijaan argamu wantta hin muldhanne irraa hojjetame.

Ibroota 11:3.

Bara duriitti Waaqayyo si'a baay'e karaa garaa garaatiin raajootaan abboota kenyatti dubbateera.Guyyoota bara isa dhumaa kanatti immoo ilma isaatiin nutti dubbate.Ibroota 1:1-3.

Sagalichi Jalqaba waan hundumaa dura ture. Sagalichi Waaqayyo bira ture, sagalichi ofi isaa Waaqayyo ture. Inni kun jalqabumma jalqabee waaqayyo bira ture.Wanti hundinuus isuumaan ta'e. Waan ta'e keessaas isa malee kan ta'e tokkollee hin jiru. Yoh 1:1-3.

- ✓ Akkuma armaan olitti dubbiisneetti guyyaa tokkooffaati , Waaqayyo akkuma salphaatti " **ifa** haata'u" jedhe ta'es. Guyyaa lammaffatti "Uumamni bantii keessaa gara gara haaba'u" jedhe ta'es, guyyaa sadaffaattis Waaqayyo dubbate wanni inni dubbates ta'e. Waaqayyo idoo kanatti uumudhaaf maal gargaarame? **Dubbii isaa malee** homa tokkoti ille hin gargaaramne. Dubatee ta'es. Sagaleen humana qabeessa Waan ta'eef jireenna namaaf keenna jechudha.

*Dubbiin goftichaa garuu hafee bara baraan ni jiraata.*

*1phex 1:25.*

5. **Guyyaa Shanaffaatti,** kumaatamaa fi kummatamaan sanyiiwwan **qurxummii**fi **simibira** uume.

*Waaqayyoo "Bishaanonni tuuta lubbuu qabaatani munyuqaniin haa gutamani., Simbirri, allaatiinis bantii Waaqaa jala lafa irra haa balali'an! Jedhe. Seera uumama 1:20-21,..23 galgallis ta'e ganamnis ta'e; kun guyyaa shanaffaa dha."*

*6. Guyyaa ja'affaa,Waa'ee guyyaa jahaaffaa Kitaabni qulqulluun ,Waaqayyo horii fi nama uume.*

*Kutaa kana keessa Waaqayyo ilma namaa akkamitti akka uumee fi maaliif akka uume ilaalla.*

*Hardhas gaarnummaa Waaqayyo ilaalla. Daawiti yeroo gaarummaa Waaqayyo faarfatu,*

*Gaarummaan Waaqayyoo akkam akka ta'e isin miyeeffadha! Namni isatti koluu galuu haagammaduu.*

*Faar 34:8.*

*Namni nyaata duwwaadhaa hin jiraatu dubbii afaan Waaqayyo keessaa ba'u hundumaan malee.*

*Maatti 4:4.*

*Warri waan qajeelaa akka midhaani beela'anii,akka bisaanii dheebootan haa gamadan.*

*Matti 5:6.Ameen Waaqayyo isin haa'ebisuu, milkaa'aa!*

Yaada yooiin Gaaffii yoo qabaatan

Bilbiila

Saanduqa

Weebsaayiti

Nu argaa Mata dure itti anuun walgarraa eebifama!

**Kutaa tokkooffaa barumsa 5 ffaa**

**Waaqayyo Maaliif ilma namaa uume?**

Uumama 1.2

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! siniin jenna!!

Hardhas barnota gammachisaa walitti fufu **karaa haqa isa jedhuu** kana isiniif dhiyeesuu dandda'uu kenyatti gammachu daanggaa hin qabneetu nitti dhaga'ama. Barsisaan isa dhugaa isa qofaa dha, ammas nubarsisuuf karaa keenya qajeelchudhaaf nu wajjiin jira. Ameen !Waaqayyo guddaa dha!

Sagantaa darbee keessa Waaqayyo ardiifi samii, galaanaafi wanta of keessaa qaban hundda **haala akkamitiin akka uume** agarre turre. Waaqayyo goftaan, guyyoota ja'a keessa dubbii isaatiin ala waan tokko illee akka hin gargaarmne duubiisne turre. Akksumas, Waaqayyo maaliif biyya lafaa akka uume argine turre. Dubbi qabatamaa biyya lafaa kana uumeef yeroo ilaalluu, sabni isaa uulfiinna isaatiif uumeen itti gargaarame badhaadhinnaan uumaa isaa jajaatiin galateeffachaa akka jiraatuuf ture.

Haardha immoo nama jalqabaa **haala akkamittiin akka uumame**, hubachudhaaf kitaaba Qulqulluu gadi fageenyaan ni ilaalla. Toraah kitaaba qulqulluu jalqaa keessa dubbiin Waaqayyo:

> *Kotaa! Akka bifa keenyaatti akka fakkaatii keenyaattis nama ni uumnaa.*
>
> Akka bifa Waaqayyootti isa uume, dhiiraafi dubartii godhee isaan uume. *Uum 1:26,27.*
>
> Dubbii kana irraa waan tokkotti xiyyeeffachuu qabna; **Waaqayyo uumama isaa keesaa nama qofa fakeenya isaatiin uume.** Kuni kan nutti agarsisuu, ilmii namaa uumama hundumaa caalaa guddaa barbaachisaa akka ta'e dha.

- ✓ Kitaabnii Qulqulluun wayita, Waaqayyo 'nama fakeenya isaatiin uume" yeroo jedhuu maal jechudha? Waaqayyo wantoota lamaan irraa isa uume jechudha. **1.** Waaqayyoo goftaan biyyoo lafaa irraa nama uume,

  **2.** Hfuura jireenyaa itti godhu funyaan isaati ni afufe, akkanatti namni uumama lubbuu qabaate jiraatu ta'e.

  Jalqabatti biyyoo irraa qaama hojjateefi , isa keessa immoo waaqayyoo lubbuu kaa'e. Wantta kanaatiif dubbiin Waaqayyo:

  Godoon jirenya keenyaa, jechuunis dhagni keenya lafa kana irraa yoo jige ijaarsa haarki namaa hin ijaarin mana bara baraa banti Waaqaa keesa jiraatu Waaqayyo biraa akka qabnu ni beekna. Sababiin Waaqayyo foon jalqabatti uumeef, lubbuun namaa akka keessa jiraatuufi ture.

- ✓ Waaqayyo uumama jalqabaa maal irraa uume? Kitaabni Qulqulluun biyyoo irraa akka uumeen nutti hima.

- ✓ Bara hamaayyaa kana keessa biyyoon lafaa keemikaala 20 of keessaa akka qubu ni ibsama. Keemikaaloonni 20 sun immoo foon namaa keessa akka argaman ogeessoonni saayinsii lafa ka'ani jiru.

  Isa kanaafi raajichi Waaqayyoo Daawit

  *Akka nuti itti hojjatmne inni ni beeka, biyyoo ta'uu keenyas inni ni yaadata.*

  *Faar 103:14. Jedha.*

  Biyyoo irraa haa hoojatamuu malee , foon namaa akka waan bu'aa hin qabneeti miti. Seelota Triiliyoona 70, lakka'aman of keessaa qaba. Seelonni sunis seeraan garee isaani oto wali hin faalleesiin yammuu hojjatan argee kana wayita malalfatu garbichi Waaqa Daawiti, akkana jedhe;

  *Isa ati guddaa dinqsiisaa gootee na umteef ani galata siif nan galcha gochaan kee waanuma raajii ti, anis kana ba'eessa godhee nan beeka.Faar 139:14.*

- ✓ Qaamni ilma namaa uumama dinqiisisaadha! Egaa, Qaamni Waaqayyo fakkeeyya isaatiin uumee isa kanaa ree laata? Miti! Waaqayyo hafuura waan ta'eefi kuni sirumaa ta'uu hin danta'u. yeroo Waaqayyo ilmaan namaa fakkeenya isaatiin uume jennu, fakkeenya foon

nuti uffanne kaan miti. Fakkeenya Waaqayyo yeroo jennu maal jechu Kenya ta'u danda'a ree laat? **Fakkeenya waaqayyoottiin kan uumame lubbu namaati jechudha.**

- ✓ Hojii uumama keesatti maaliif Waaqayyo akka uumama gara birootiin uumeetti Adaamiin ala tokko hin uumne? **Jalqabatti foon tolche, ergasi immoo lubbuu keessa maaliif kaa'e?** kana waan godheefi, namni dadhabaa ta'u isaa akka beekufi ofi isaatiif jireenna keennuu akka hin danddeennee namni akka beekufi ture. Uumamni jalqabba ilmii namaa hafuura Waaqa irraa argateen uumamaa jiraataa ta'e argame. **kanaaf ilmii namaa uumama jiraataa ,Waaqni jiraataa isa keessa jiraatu ta'e jechu dha.**
- ✓ Waluumaa galatti yammuu gaafannu, Waaqayyoo fakkeenya isaatiin foon namaa uumee moo lubbu namaa uume laata? **Waaqayyo fakkeenya isaatiin kan uumme lubbuu namaati malee foon namaa miti.**

Oto baruumsa haardha hin xumuriniin dura, **wantoota sadan yookiin amala sadan nama keessa argaman,** laaludhaan qabata namni fakkeenya Waaqatiin uumameef baldhinnaan hubachuu danddeenna jechudha.

- ➢ Tokko Waaqayyoo namani akka isa beekuuf danda'uu hafuura(sammuu) keenneefi.
- ➢ Lamma Waaqayyoo " " jaallatuuf danda'uu mira (onnee) keenneefi.
- ➢ Sadii Waaqayyoo " " " isaaf ajajamuuf danda'uu feedhi(bilisummaa) keenneefi.

**Waaqayyo lubbuu namaa keessa, hafuura, miraa fi feedhi kaa'eera jechuudha.**

1. Akka isaa akka yaaduufi isa beekuuf namaaf hafuura keenneefi. Tokkummaa isa wajjiin akka qabuuf, hafuura humana qabeessa keenneefi.Kana irratti, Michuummaan Waaqayyo kan keenameefi Abrihaam qofaafi miti, namoonni hunddinuu karaa Kiristoos goftaa keenyaa isatti akka dhiyaatan ni barbaada. Wanni guddaan uumama gara biroo irraa adda nu baasuu, hafuura Waaqayyo irraa arganneedha. Hafuura Waaqayyo qabna yeroo jennuu, nuti isa wajjiin qixxeedha jechuu miti.

2.Wantta fakkeenya isaatiin uume sana keessa inni biraan uume, mira (onnee) kaa'e. Sababiin isaas akka isa jaallatuufi. Onnee yeroo jeennuu, onnee isa waa'ee qaama namaa keessa dhiga facaasuu miti, **onnee jechuun wanta nuti lubbuu keenyaan, mira keenyaan fi sammuu**

**keenyaan wanta yaadnuu jechu dha**.Waaqayyo garaa gutu keenyaan akka jaallanuun ni barbaada.

3. Ammallee Waaqayyo nama fakkeenya isaatiin uummef wanta keenne qaba. Lubbuu namaa keessa feedhii kaa'ee jechuudha. **Namni hundinuu karaa isaa akka filatuu Waaqayyo ilmaan namaatiif birmadumma keenne**. Namni wanta barbaade akka filachu danda'u jechu dha. Egaa dirqama wajjiin Waaqayyo, wantoota barbaachisaa ta'an irratti akka murteessu danda'uu bilisoomseeni. Waaqayyo akka isa jaallannuufi isa Waaqeesinuu nu filate.

Barreessaan seeraa,"Abboommiin inni hundummaa irraa caalu isa kami?" jedhee gaaffateef ? Yesus deebisee, akkana jedhe " inni hundummaa irraa caalu, dhaga'i yaa Israa'el ! Goftichi Waaqayyo kee kophaa isaa goftaa dha. Atis Waaqayyo kee gofticha **garaa kee guutuudhaan**, **jireenya kee guutuudhaan**, **humana kee guutuudhaanis** jaallachuun siif ta'a.

Maar 12:29-30.

Michoota dhaggeeffatoota waan nu dhaggeeffataniif guddaa isin galateeffanna, saganttaa itti anutti hangga wal agarrutti nagaatti!

Yaada yookiin gaaffii yoo qabaatan

Bilbilli keenya

Saanduqa

Emaila

Weebsaayitii keenyaan nu argachu danddeettan. Gamadaa tolaa argadha!

## Kutaa tokkooffaa barumsa 6 ffaa

## Adaamii fi Haawaa, akkasumas Dallaa janata

## Seera Uumama 2

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! siniin jenna!!

Hardhas barnota gammachisaa walitti fufu **karaa haqa isa jedhuu** kana isiniif dhiyeesuu dandda'uu kenyatti gammachu daanggaa hin qabneetu nitti dhaga'ama. Barsisaan isa dhugaa isa qofaa dha, ammas nubarsisuuf karaa keenya qajeelchudhaaf nu wajjiin jira. Ameen !Waaqayyo guddaa dha!

Hardhas mata duree **jalqabatti maltu ta'e?** isa jedhu irratti barnota Kenya ittifufna. Barnoota isa hardhaa kanatti waa'e Adaamiifi Heewaani akksumas waa'e guyyaa tokkooffaa lafa irratti wanta ta'an ni ilaalla jechudha.

Akkuma kitaaba Toraah dubisneetti, "guyyoota 6 keessatti Waaqayyo goftaan, samiifi Ardii,garba, fi wantoota isaan keessa jiran hundda akka uumee" arginee jirra.(Ba'uu 20:11) kana malees Waaqayyo guyyaa jahaffaatti nama jalaqabaa akka uume agarree turre. Waaqayyo nama **foon** fi **lubbuu** irraa akka tolche ni yaadanna. Waaqayyo nama biyyo irraa tolche, lubbuu bara baraa keessa kaa'e. Waaqayyos lubbuu namaa fakkeenya isaatiin akka uume agarre turre. Kana jechuun, Waaqayyo, lubbuu namaa **sammuu(spirit)** addatii, namni uumaa isaa akka beeku, **Onnee**( mira emotion), akka Waaqa isaa jaallatu,akkasumas, **birmadummaa(free will)** immoo, Waaqa isaatiif akka ajajamuu keenneefi.

Erga nama uume raawwatee booda, oto waaqni hin booqtiniin dura, Waaqayyo, kaayoo gara biraa karoorfate ture.Barnoota keenya hardhaa kana keesatti, kaayoo kana ilaala jechudha.

*"Waaqayyo gooftaan biyyoo lafaa irraa nama tolchee, hafuura jireennaas itti kaa'ee funyaan isaatti ni baafate;akkanaitti namni uumama lubbuu qabaate jiraatu ta'e. Yommus Waaqayyo gooftaan* ***biyya gara ba'a biftuu keessaa Edenitti iddoo dhaaba tokko ni dhaabe; nama isa tolche sanas achi keessa ni kaa'e."(uum 2:7-8.).***

Kutaan amma dubisnee kun Waaqayyo nama uume sanaaf iddoo mijataa akka uumee, iddoon sunis, Edan akka jedhamuu barannee jirra. Namoonni tokko tokko Edaniin sun sammii ol gubbaa akka ta'e barsisu, garuu inni lafa kana irra jira ture malee ol gubbaa miti.Gara bahaa, Edan keessa, yammuu jedhuu, lafti sun ammaan tana lafa **Iraaqi jedhame beekkamuu akka ta'e ni tilmaamama. Barruuleen tokko tokko Edaniifi isa lafa irraa fi samii oli iddoo Waaqayyo argamuu san walmakuudhaan barsisu.**

**Laakoofsi ittaanee dubbiifamuu garaagarummaa Jennataa fi samii ol iddoo argama Waaqayyo jiruu akkana jedha:**

“Waaqyyo Mukeetti ija namaatiif hawwaataa garaa garaa iji isaaniis nyaataaf ba’eessa ta’an lafa keessaa ni biqilche; mukti ija isaa nyaatanii jireenya namaaf kennu, mukti hamaafi gaarii ittiin beekanis iddoo dhaabaa sana walkkaa turan.Laakko 10, Iddoo dhaabaa sana obaasuudhaaf Eden keessaa bisaan ni burqe; Laako,15 Waaqayyo goftaan namicha fudhee iddoo dhaaba Edenii sana akka totolchuuf , akka eguufis achi keessa ni kaa’eeni.” (Uum 2: 9, 10, 15)

Nama jalqabaa Adaam, iddoo jaalatamaa sanatti sorummaa dhugaadhaan akka jiraatu lafa sana uume mijeesse keenneef. Dallaa gammachisaa, sanyii muka garaa garaatiin guttamani fuduraa argaafi nyaataaf tolan Waaqayyo achi keessa biqilchee ture.

Iddoo hawwataa sana keessa, wanti hundiinuu dinqisisaafi haqa ture. Mira Adaam immoo yammuu ilaallu, mira jiraataa qaba ture.Iji isa wanta qajeela ta’an ilaalan, gurrii isaas faaruu sinbirree mukka irraa dhaggeffatan, mirrii isaas uurgoo abaaboo uurgeessuudhaan ni weelisuu turan. Kana hundumaa Adaam akka ittiin gamaduu Waaqayyo badhaaseeni ture. Gammachuudhaanis Addaam Dallaa Edeni sana akka midheesse Waaqayyo akka aboomeen ni ilaalla.

Wanni nama dinqsisuu immoo **Waaqayyoos iddoo qabbanaa Dallaa Edani sana keessa** nama fakkeenya isaatiin uume sana wajjiin yeroo dabarfachuuf ni dhufa ture. (3:8) Waaqayyo maaliif isa dowwa’chuuf deemaa laata? Sababiin doww’annaa Waaqayyo, **tokkuummaa Adaam wajjiin qabuu agarisa**.Waaqayyo garaafi sammuu tokkummaadhaan ilmaan namaa wajjiin bara baraan jiraachuuf isaan doww’ate ture.

Wanti caaluu nutii beeku qabnuu **Waaqayyo maaliif nama fakkeenya isaatiin uume lafa qabanaa Edeniitti ka’ee doww’achuudhaaf akka deeme dha.** Waa’ee dallaa Edenii iddoo waaqayyoo nama jalqabaas beekuu immoo qabna. Walakka Dallaa Edeniitti , muka lamaan baayyee murteessaa ta’an ni dhaabe. Inni tokko **muka jireennaa** jedhama; inni lammaffaan immoo, **muka mishaafi badaa itiin beekan** ture.Dubbiin qabatama Waaqayyo **muka jireennaa** achii kaa’eef, Waaqayyo , ilmaan namaatiif jireenna bara baraa keenuuf akka fedhuu Adaamiif yaadachisuufi ture. Mukaa isa jiduu waan mishaa ta’eefi badaa ta’ee jidduu itiin gara gara baasan immoo Adammiin qorachuuf ture. Dubbiin Waaqayyo maal jedha:

*Yommus Waaqayyo goftaan namicha abboomee, “ija mukkeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran hundumaa irraa ni nyaatta ija mukicha nyaatani mishaafi badaa ittiin beekan sana irraa garuu hin nyaatiin ! gafa isa irraa nyaatte garuu dhugumaan ni duta jedhe.” Uuma 2:16-17.*

*Waaqayyo maaliif muka isa mishaafi badaa ta'ee adda aka bassu gargaaran irraa akka hin nyaannee ittiseen? Waaqayyoo arjaa miti ree laata? Gonkumaa, inni hamaa miti. Dhugaa dha, maqaalee isaa keessaa tokko " Waaqa Arjaa jedhama!" Yaaqo 1:5 Afaan wolofiin "isa tokko irraa malee mukeetti hundda irraa nyaadhu" jedha.* ***Maal isiinitti fakkaata kun abboommii ulfaataa dha laata?*** *Miti. Waaqayyo ayyaana isaatiin wantoota isa gammachisan hundda keenneefi . Wantoota mishaa ta'an irraa isa hin dhorkinee ture. Garuu Waaqayyo qulqulummaa isaatiin* ***qormaata salphaa*** *Adaam dura kaa'e, kunis Adamiif jaalala Waaqayyoof qabuu fi isaaf akka aboomamuu muldhisuudhaaf carraa guuddaa ture.*

Dubbiin Waaqayyo: yesus deebisee , " enyullee yoo najaallate dubbuu koo ni raawwataa abbaan koo immoo isa ni jaallataa, nuyis isa bira ni dhufna iddoo jireenyaa isa bira ni godhanna. Namnii ana hin jaallanne immoo, bubbii koo hundummaa hin raawwatu, dubbiin isiin dhageessan kunis kan abbicha isa na ergee ti malee kan koo miti" jedheen. Yoh 14:23-24. Waaqayyo amanamummaafi jaalala isaaf qabu ilaaluudhaaf jedhe Adaamiin qore. Kanaaf abboommii kana kenneef.Waaqayyo nama motoraan hojatuu hin uumne, **garuu akka isaa jaallatuufi ajajamuuf nama sammuu, onnee yookiin mira,fi feedhii qabuu uume male**. Muka hin nyaatiin jadhamee irraa yoo nyaatee balaa akkamii isa irra akka dhufu waaqayyo akeekachiseeni ture?

"Muka isa ogummaa mishaafi badaa ittiin adda baafatan irraa hin nyaatiin; yoo nyaate garuu, dhugumaan ni dutaa!" kana irratti Waaqayyoof aboomamuu diduun d**u'a** akka fidu akeekachiiseen.

*Lubbuun cubbuu hojattu ni duti. Hi z 18:20.*

*Namni tokko cubbuu jechuun maal inni jedhe gaaffachhu ni danda'a? kitaabni qulqulluun " "cubuun* ***seeraan ala*** *ta'u dha." 1 yoh 3:4. "Dalaan dogoora ta'ee hunddii cubbuu dha" 1 yoh 5:17. Namni dhugaa beeku dhugaa dalagaa, isa cubbuu immoo hin dalaguu jechuudha. Karaa "dhunfaa keenya" hordoofuun cubbuu dha. (Isa 53:6). Cubbuu jechuun isa feedhii Waaqayyo wajiin wanta faallaa ta'ee dha.*

*Beenyaan nama cubbuu dalagee du'a. Rooma 6:23.*

***Du'a jechuun maal jechuudha****? Namoonni tokko tokko lubbuudhaan jiraachuu dhisuudha jedhani yaadu. Garuu hika isaa yeroo lalluu, du'a jechuun gara gara ba'uu jechuudha. Jireenya irraa gargar ba'u jechuudha.*

Muka isa mishaafi badaa akka baafannuu ogummaa nuuf keennuu irraa yeroo nyaannuutti Waaqayyo irraa akka gara gara baanuu nutti hima. Waaqayyoof bitamuu yoo didnee **lafa seexanaaf qo'phaa'eetti** jaanama deemna jechuudha.

Hunddee anggoo kan ta'edubbii waaqayyo wayita ilaalluu, du'a jechuun maal jechuu dha? **Du'a jechuun Waaqayyo irraa gara gara ba'u jechuu dha**. Cubbuun namaafi Waaqa burqaa jireenya dhugaa irraa gara gara nama baasa. Dameen muka irraa cite kufee tokko maal ta'a laata, yaadattaa?Leelisuu danda'a? miti ni du'a malee hin dagaagu. Tasa hin du'an sutuma sutaan yeroo keessa collaganni du'an jechuudha.

*" Dadarbuu keessaniin fi cubbuu keesaniin ni dutuu", "yakki hojjatan Waaqayyo irraa adda isiin baasee"( Ef 2:1). Cubbuun keessan isiiniif Waaqa jidduu goree gara gara isiin baasse.(Isa 59:2). Dameen muka irraa cite gara abiiddaa ni darbatama yohaan 15:6). Dameen muka irraa cituu ija godhacuu hin danda'u. Kunis namoonni yakkamtoota ta'an isaan irra maal akka ta'u agarsisa.*

*Kutaa kana oto hin xumuuriniin dura, Waaqayyo* ***dubarti ishee jalaqabaa akkamitti akka uume*** *ni ilaalla.*

*Akkana jedha:*

*"Namni kophaa isaa ta'uun ba'eessa miti, ani gargaartuu isaaf toltu nan uuma! Kanaaf waaqayyo namatti hiriibaa akka malee nama rafiisuu namiicha irratti fide. Akkuma namichi rafuu lafee cinaacha isaa keessaa tokko fudhee iddoo isaatti foon ni guute.Waaqayyo goftaan lafee cinaacha keessaa fudhee sana iraa dubartii tolchee namichatti ni geese. Kanaaf dhiirri abbaa isaafii adha isaa dhisaa hadha manaa isaattis ni maxana; isaan lachuus foon tokko ni ta'u. namichii fi haatii warraa isaa qullaa turan lamaanuun isaan wal hin saalfatan ture." (Uumama 2:18,21-25.).*

Gaa'eelli karoora Waaqayyoti.Dubbiin qabatamaa nama tokkoofi dubarti tokko umeefi , akka waljaallatani, waliin akka jiraatan fi maati nagahaa waaqa ulfeessuu akka godhataniif ture. Waaqayyo nama jaallateef keennaa gammachisaa qopheesse,innis, keennaa **haadha manaa keennuudhaan isa** badhaaseen.

Dhimmii guddaan waaqayyo namni fi haadha warraan isaa isa wajjiin akka jiraatan barbaadeef, akka isa beekaniif, jaallatani fi bara baraan isaaf akka ajajamaniif ture.( Eff 5:21-33; 6:1-4)

- ✓ *Waaqayyo dubbii kanaan hojii uumama isaa xumuure,*

*Akkas jedha: "Waaqayyo waanuma hojate hundumaa ilaale; kunoo innis ba'eessa ture. 3 Waaqayyo waan uume hundumaa raawatee guyyaa torbaffaatti waan booqateef guyyaa torbaffaa sana ni eebise, ni qulqulleesses". (Uumama 1:31-2:3)*

*Waaqayyo guyyaa torbaffaatti maaliif booqate? Ni dadhabee laata? miti, inni sirumaa hin dadhau! Hojii isaas guyyaa torbaffaatti haanqinna malee waan xumureef guyyaa sanatti booqate!*

*"Beenyaan nama cubbuu dalagee du'a". Rooma 6:23.*

**Kutaa tokkooffaa barumsa 7 ffaa**

Cubbuun akkamitti akka addunyaa kana seene.

Seera Uumama 3

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! siniin jenna!!

Barnoota lamaan dabran keessa Waaqayyoo namoota jalqabaa akkamitti akka uume agarree jirra. Kitaabni Qulqulluun fakkeenya isaatiin dhiraaf dubarti godhe isaaniin akka uume ni dubisna. Lubbuu dhiraafi dubarti keessa hafuura akka kaa'ee, knaanis isa akka beekan waaqeessaniif ture; mira immoo isa akka jaallatan isaaniif keenne, kana malees, isaaf akka ajajaman, feedhi isaaniif keenne jechudha. (Uum 1:27.). Knaaf **Waaqayyo uumamni isaa akka isa beekan, isa jaallatan fi bara baraan isaaf akka sagadan barbaada jedhudha**.

Waaqayyo karoora qulqullummaa isaa egudhaaf jedhe, qormaata xinnoo dhaan isaaniin qore; Dallaa Edanii jidduu , muka isa waan mishaa fi badaa ta'e gara gara baasuu fi ogummaa keennuu dhaabe. Ergasi namichaan , Waaqayyo goftaan abboome,

"Ija muka iddoo dhaaba kana keessa jiran hundumaa irraa ni nyaata; ija muka nyaatani mishaafi badaa ittiin beekan irraa garuu hin nyaatin. Gaafa isa irraa nyaatte garuu dhuguman ni duuta." Jedhe. (Uum 2:16).

- ✓ Waaqayyo maaliif haala kanaan isa qore laata? isa kuffiisuuf hin turre, garuu, isa eebisuu fi jabeesuuf ture.

  ***Obsi qoramani ba'uu fida, qoramani ba'uunis abdii fida. Rooma 5:4.***

- ✓ Hardha immoo boqoonnaa sadaffaa ilaalla; Boqoonnaan kun cubbuun addunyaatti akka seene nutti agarsisa. Boqoonnaa sadaffaa kana asiin dura yoo dubisnee beekna taanaan, onneen namaa maaliif, jallataa akka ta'ee, akkasumas, biyyi lafaa maaliif dhiiphinnaan akka guttameefi biyyi lafaa maaliif akka dhibamee beekna jechudha.

- ✓ **Kitaabni Qulqulluun Adaamiifi Hewaaniin malee, qaamni gara biraa Edani keessa akka ture nutti hima; qaamni sun ennuu laata? qaama sana yaadattaa laata?** innis dina Waaqayyo kan ture, seexana dha. Wayita Waaqayyo waan hundumma uume, sexxanni, ilaalaa caqasas ture, caqasuu qofa oto hin ta'iin akkamitti karoora Waaqayyo akka balleessuu itti hojataa ture; Kana hundumaa seexanni yeroo karoorfatu,Adaamiifi Heewaaniin hin beekan ture. Kanaaf isaaniin qoruudhaan, cubbuu dalagani Waaqayyo irraa garagar ba'an.

- ✓ Guyyaa tokko akkuma isaan muka dhorkamee jala akkuma ijaajjani, seexanni boofa fakaatee isaani wajjiin hasa'u jalaqabe;

**"Bineensa lafaa Waaqayyo uume hundumaa keessaa bofni caalaa haxxee ture."**

*"Dhuguma Waaqayyo , Frii muka dallaa dhaabaa kana keessa jiran hundumaa irraa hin nyaatiinaa isiniin jedhe jiraa?" (Uum 3:1)*

- ✓ Mee gaaffi tokko haa kaasnuu , **Seexanni maaliif bofa filatee laata**? Gaaffi kanaaf ,kitaabni Qulqulluun deebi inni nuf keennuu, **Bineensa Waaqayyo uume keessaa Bofni haxxee ture** jedha. Sexanni akka ogeessa tokkootti,yookiin akka bineensa sodachisaatti nageenyi isiniif haata'u jechaa hin dhufne. Ani badaadhaa dina Waaqayyooti jechaa hin dhufne. Garuu akka umama bareedaa tokkotti fakkeesse muldhate. Kun kan nutty agarsisuu, cubbuun biyya lafaatti odoo hin seeniniin dura Seexanni uumama hundumaa caala ogeessa ta'u isaati jechudha.

  Ammayyuu seexanni sanuuma,hojii fakeessaa itti fufee jira jechudha.

  *Seexanni iyyuu ergamoota ifaa fakkaachuudhaaf waan wallaalchifatuuf kun waan dinqsisuu miti. (2qor 11:14)*

*Yesus itti fufee, Raajoota soobaa irraa of eeggadha, isaan hoolaa fakkaachuudhaaf, raroo hoolaa ufatanii gara keessan ni dhufu; keessa isaanitiin garuu yeeyyii baatatanii dha.(Maat 7:150.*

Seexanni uumama danddeetti guddaa qabuudha, inni want dalaguu barbaadu sirritti beeka. Akamitti isaani sobee mo'u ni beeka ture; Waaqayyoof ajajamuu diduudhaan Adaamiif Heewaaniin seexana dukaa bu'an jechudha.

*Dhuguma Waaqayyo, ija Muka lafa dhaabaa kana keessa jiran hundumaa irraa hin nyaatiinaa! isiniin jedheera? Uuma 3:1*

*Gaaffi kana gaaffachuudhaan* ***shakki keessa akka seenan isaaniniin*** *godhe. Hardhallee taanaan Seexxanni toftaa kanatti ni gargaarama eeggannoo haagonu. Kanaanis Seexanni dubbii dhugaa morma.*

- ✓ Me haasaa dubarti fi Seexan jidduu ture sana ni ilaalla;

  Dubartinis Seexanaan, " fri isa dallaa keessaa hundumaa irraa ni nyaanna, garuu fri isa muka jiddoo dallaa keessaa hin nyaatinaa , hin tuqinaas, yookiin hin dutan nun jedh,; Seexanni immoo dubartitti dhugumaan hin dutan . Wayita nyaatan iji keesan ni banamaa akka Waaqayyos, waan mishaafi badaa ta'e ni beektu; (Uum 3:2-5).

  Dinqii dha! Wayita nyaatan isaan irra wanta mudatee inni waaqayyo dubate ta'e? **Waaqayyo yoo nyaattan ni dutan yeroo jedhu, Sexanni immoo hin dutani! isaaniin jedhe.**

- ✓ Seexanni abbaa sobaatiifi burqaa sobaa waan ta'ee yaada shakisisaa sammuu isaani keessa facaasuu itti fufe; Seexanni yeroo itti fufu amala isaa calaqisaa jira jechudha.

  *Isin kan abbaa isa tokkoo kan seexanaa ti; dhugaan isa keessa waan hin turreef, inni dhugaa irra hin dhaabbanne. Inni sobaa dha abbaa sobaatis; kanaaf yommuu sobu isa garaa isaa keessa jiruu ni dubata. Yoh 8:44.*

- ✓ *Seexanni abbaa sobaa qofaa miti inn* ***gowwomsaa*** *dha, anama gowwomsa.*

Wantta dhugaa ta'ee tokko fudhachuudhaan isa wanta dhugaa hin taanee wajjiin makudhaan namoota gowwomsa; yommuu muka sana irraa nyaattan, ijji keessan ni banamaa ogummaa isa mishaafi badaa jidduu jiruu akka baafatan godhu ni argatu, akka, Waaqayyos ni taatu. As irratti **yommuu mishaafi badaa ni beektu** jedhu, dhugaa dubbachuu isaati; erga cubbuu dalagan boddee, waan mishaa ta'eefi badaa ta'e adda baasani turan. Hin **dutan nyaadha wayita jedhu immoo sobu isaati**.Wantoota soba dhugaa fakkeesuudhaan hardhas namoota gowwomsa jechuudha.

- ✓ Yeroon filannoo, dubbii Waaqayyoo yookiin dubbii seenaa filachuun isaanitti kalaayee,
- ✓ Yommuu dubartittiin frii mukaa argiteetti, nyaataaf akka tolu, ijaafis akka bareedu agarte; **ofi illee fudhatte nyaatte, dhirsa isheefis fute keenite**. Uum 3:6.
- ✓ Wanni nama dinqisisuu, Waaqayyo, nama, akka isa beeku, isa jaallatu fi isaaf akka bulu fakeenya isaatiin uumaeen; garuu namni maal godhe, Waaqa jaallachuu didee dina Waaqayyo kan ta'ee seexanaaf of keenne!
- ✓ Ilmi abbaa isaa fakaata! Cubbuun Adaam iraa dhufe, namoota hundumaatti gayee jira, akkuma dhibee dadarbuu jechudha.
- ✓ Abdiin Waaqayyo biraani jira;

  *Akkuma irra dadarbaan nama tokkichaa nama hundummatti yakka mursiisee qajeelchuun nama tokkoo immoo namoota hunumma firdii qajeelummaa argachiise jira. Rooma 5:18.*

  *Egaa cubbuun karaa nama tokkoo biyya lafaatti akkuma dhufe, dunis karaa cubbu akka gale, akkasumas namoonni hundinuu waan yakkaniif duni sanyii namaa hundumaa wal ga'e. Rooma 5:12.*

**Kutaa Tokkooffaa**

**Baruumsa 8 ffa**

**Seera Uuma 3**

**Cubbuun addaam dalagee wanta fide.**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya  maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa  arjummaa isaatiin qopheessee  ilmaan namaa  dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen   nagaa! siniin jenna!!

Baruumsa kitaaba Musee ilaallaa jirruu kana keessa, Waaqayyo nama jalqabaa fakkeenya isaatiin akka uume barannee turre. Akkasumas, maaliif isaaniin akka uume, isaani  yaada hundummaan, onnee hundumaanni fi, jabina isaani  hundumaan akka isa jaallatan isa wajjiinis  bara baraan jiraataniif  isaaniin akka uume agarree turre.  Qurmaata muraasa keeneefi, isaaf ajajamuu jaallachuu isaa argudhaaf ture.

- ✓ Hardha kan itti fufne ilaalluu, kitaaba torah, Adaamiifi Heewaaniin erga cubbuudhaan kufan boda maal akka ta'e ni ilaalla.

  *Iji lachuu isaani baname, isaanis qullaa akka ta'an hubatani, kana irratti isaan baala harbuu walitti hodhani marxoo isaa hojjatan. Uumam 3:7.*

- ✓ Adaamiifi Heewaan Waaqayyoof ajajamuu erga didan boda tarkaanfiin jalaqabaa isaan fudhatan maal ture? **Qaaniifi balleessaa isaan haguuguudhaaf tattaaffatan**. Akuma yaadanuu frii muka isa mishaafi badaa garara akka baasan ogummaa  keennuu  oto hin nyaatiiniin dura, qullaa turan. Wal hin saalfatan ture; uum 2:25.Amma garuu, Waaqa haqa dura, isa isaanitti muru danda'uu duratti qaani fi  salphinnaan guttaman. Qaani isaani  dhoksuudhaaf yaalan. Baala harbuu sana fudhani qaani garaa  isani dhoksuudhaaf hayaalan malee hin danddeenne.
- ✓ It ansuudhaan  jarrii lachuu, dallaa Edanii qabbanaa'a  .sana keessa, waaqayyo  yommuu deeddeebi'uu sagala isaa dhaga'an.Uum 3:8. Wantti addaa isaan qonname, kufaati isaaniin dura, yommuu Waaqayyo dallaa Edani dhufeetti baayee gamadan ture, qoqa isaa dhaga'uun isaan gammachisa ture,,  ergasi, immoo, yommuu Waaqayyo isaanitti kalaa'u qaanidhaan fi sodaadhaan hollachuu jalqaban; Waaqa irraas, Mukoli jaja  dhokachuuf yaalan.
- ✓ Addaam maaliifi  sodaatee dhokachuuf yaalee laata? kana deebisuudhaaf, namni tokkoo, meeshaa nama tokkoo yoo hate jedhe sagalee abbaa meeshaa sanaa yeroo dhag'uu

sodaatutti  dhakate,; maaliif? Adaam, isaa hin tuqiin isa jedhamee tuquun isaa akka hannaat jechuudha.

- ✓ Adaam erga ajajamuu didee booddee sodaate? Eyyee, maaliifi , Waaqayyo isa hin nyaatiin isa jedheen yommuu nyaatuu dhugumaan akka dhu’uu itti himee waan tureef.
- ✓ **Waaqayyo luusifeeri  jechuunis  Seexana isa abboommi Waaqayyo didee sana maal godheeni** ture? Waaqayyo Lususifeeriifi   ergamoota isaa yakka malee godhee isaan bilisoomsee? Miti! Garuu qululluummaa isaa irraa ari’eeni ture; kana qofaa miti, amidda bara baraa isaaniif qopheesse! Waaqayyo gocha luusifeeri akka waan salphaatti hin laallee! Waaqayyo inni qulqulluufi Waaqa Haqa waan ta’eef seexanatti ni mura jedhuu dha.

  *Ani Anbaaqom immoo “yaa Waaqayyo ko  yaa ati qulqulluu  ati hin duutu ati kattaa keenya! Isaan kana fiirdiif kaafte, addabiifis isaan dhaabde, ati baay’ee qulqulluu waan taateef jaldhinna hojjatamuu fi cuunqurfamuu nama cal jettee ilaaluu hin dandeessu erga ta’ee  yoos maaliif  warra gantoota cal jette ilaalta ree? Anbaaqom 1:12-13. Kanaaf Waaqayyo seexanattiifi ergamoota isaati ni farada jechuudha.*

  - ✓ *Adaam erga cubbuu dalagee boda Waaqayyo maal godheeni ture? Waaqayyo namichaan issa jirtaa? jedhe gaaffateeni. Uuma 3:9. Adaam Waaqa isaa irraa baqate. Waaqayyo Adaam isa akka jiruu dhabe miti, gara Adaami iddoo jiruu lafa badii ta’uu isaa argee akka qalbii godhatuuf ture.*
  - ✓ *Deebiin Adaam Waaqayyoof maal ture?*

*Dallaa Edanii keessa qoqa kee dhaga’e, waan qullaa tureef nana sodaadhe, kanaaf ni dhokadhe. Waaqayyoon immoo qullaa kee akka taate enyuutu sitti himee? Jedheeni, fiiri mukaa irraa hin nyaatinii sin jedhe sana irraa nyaatte? Adaamiin deebisee dubartiin ati nabira keesse  fiiri irraa haga tokkoo naaf keenite nyadhe jedhe deebise. Waaqayyo dubartitti dhaan, wanni gotee kun maal inni ?jedhe gaaffateeni, isheenis bofni nagoowwoonsee nyaadhe jette deebiste.Uum 3:10-13.*

- ✓ Deebi Adaamiifi Heewaani aggarteni? Tokkoon tokkoon isaani yakka dalaganiif nama biraa himatan ture.

- ✓ Hamma yeroo ammaatti namoonni yakka dalaganiif namoota biro komatan. Kanaaf Waaqayyo essa jirtaa, maal galagdee? Dubbii kiyya ajajamuuf maaliif diddee ? cubbuu ati dalagdeef namoota gara biro maaliif komattaa? Dubbii kiyya maaliif tuffattaa? Jechuudhaan dubbata.
- ✓ Waaqayyo Seexanatti, Heewaanitti fi Adaamitti hala kamiin akka farad; kitaabni qulqulluun akkana jedha:

1.“kanaaf Waaqayyo goftaan bofaan, gocha kana dalaguu keetiif beeladoota hunddaa fi uumama bosoonaa hundda caalaa kan abaarmteedha!

2. Dubartittidhaan immoo, yeroo da’uumsa keeti ciniinsuu kee goddaa nan godha, kanaaf rakkiinaani deessa jedheeni.

3.Adaamiin immoo ,ati waan dubartitti dhageesse frii muka irraa hin nyaatiin jedhee irraa waan nyaateefi, sirraa kan ka’ee ardiin tun kan abaarmtee taati, atis dafqa keetiin xaartee nyaata, qoreefi koshoolee biqilchiti.( Uuma 3:14-19).

- ✓ Cubbuun maal akka fidee agartani? Gaddaafi caba fide, qoreefi koshoolee fide,qonnaafi dafqa, dhibeefi du’a fide. Gatiin cubbuu du’a. (Rooma 6:23)
- ✓ Akkuma armaan oitti baranneetti, Du’a jechuun Waaqa irraa gara gara ba’u dha. Yeroo Adaamiifi Hewaan, ajajamuu didanitti, Waaqa madda jireennaa irraa gagar gara ba’an.

Isin kanaan dura irra- dadarbaa keessaniif cubbuu keessaniin dutani turtan, Ef 2:1, Ireenna Waaqayyo irraa adda ba’ani fagaatani, Ef 4:18. Cubbuun karaa nama tokkotti biyya lafaa kana seene, Rooma 5:12.

- ✓ Yeroo Abaan keenya adaam Waaqa irraa gara gara ba’uu akkuma dame muka irraa cite kufeetti , carraan isaa abidda akkuma ta’eetti fakkeeffama. Sanyiin addaami akkuuma dame sanaa dha jenne fudhanna.

Daawit raajichi kana yommoo ibsuu, ani dhalootatti yakamaa dha jedhe Farf 51:5. Cubbuun akka AIDS dha, biyya lafaa keessa fafaca’uudhaan ilmaan namaa ajjeessa jechuudha.

- ✓ Galanni guddaan Waaqayyoof hata’uu, harki Waaqayyo, karaa fayinaa qopheesse. Kanaaf arjuummaa isaa jaalalaan fudhanne hafayinu.

Ameen.

*"Surely I was sinful at birth, sinful from the time my mother conceived me."* (Psa. 51:5)

**KUTAA 1 FAA BARUMSA 9FFA**

**WAADAA BAASA TA'E.**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! siniin jenna!!

**Seera Uuma 3**

Barumsa dabree keessatti Adaamiifi Heewaanini frii mukaa irraa hin nyaatiinaa jedhaman irraa nyaachuudhaan akkamitti Waaqa irraa fagaatan agarree ture. Namni Waaqni fakkeenya isaatiin humeen Waaqa isaa dhisee Seexana dinna Waaqayyo ta'e dukaa bu'uu filate. Odoo hi kufiniin dura, qoqa Waaqayyo wayita dallaa Edani keessa dhagahan ni gamaduu turan, erga kufan immoo, qaani fi sodaa isaani irraa kan ka'e muka dallaa Edani jala dhokachuu jalqaban. Waaqayyos isaan argee itti dubatees, cubbuun isaani balaa akkami adunyaatti jequmsa, dhibee, qoree,fi kosholee,dhukubaafi **du'a** akka fide itti agarsise. Yeroo sana irraa hanga amaatti duni sanyii Adaami irra rara'e jira. Daa'imman cubbudhaan ulffeefamani cubbudhaan dhalatan. Jallannees jibinees, amala abbaa keenya Adaami dhaalla. "Hantuunni antuutuma isa lafa diguu dhalti" akkuma jedhamutti, cubbuu Adaami irraa kan ka'e hundi keenya cubbu dhaan dhalanne.

*Yakki keessan isiniifi Waaqayyo keessan jidduu goree gara gara isin ittise. (Isa 59:2)*

*Jechi kun gurraaf namatti hin tolu, hatu' malee dhugaan isa kana. "dhugaan akka nyaata* arraba namaa gubuti" (mamaaksa gosa Wolofi Afriaa lixa.)

Kana irraa kan ka'e ilmi namaa mootummaa ifaa dhisee mootummaa dukkanaa seene.Oto Waaqayyo garaa nuf laafu baate, akkuma nama bishaan garbaa keesa bade arguu hindandeenyeetti ija keenya dununfannee imimmaa facaasna ture. Galanni Waaqayyoof hata'u!

*Akkuma cubbuun lafa kana irra baay'ateetti arjummaan Waaqayyo caalaatti ni baay'ata. (Rooma 5:20)*

*Hin sodaatinaa! Kunoo ani  oduu gamachuu  guddaa  namoota hundumaaf ta'u isiniif fidee jira. (Luqa 2:10).*

*Waaqayyoo ayaana isaa nama hundummaaf fayyina kennu mul'iseera. Tiit 2::11.*

- ✓ Akkuma armaan olitti laaluudhaaf yaalleetti, Waaqayyo Qulqulluu Waan ta'eef, cubbammaa adabuun isaa dirqama. Abbaa haqaa Waan ta'eef cubbuu hin irraanfatu. Adabbiin cubbuu immoo du'aafi bara baraan Waaqa irraa   bara  baraan gara gara ba'u dha. Akkuma Waaqayyo hin jijiramneetti, gatinis cubbuu hin jijiramu.
- ✓ Knaaf hardha karoora Waaqayyo ilmaan namaatiif pheesse itti fufnee ilaalla jechudha. **Waaqni keenya  abbaan seera, fayyisaa keenya ta'e!**
- ✓ Seera uuma 3:15 karoora baas Waaqayyo ilmaan namaatiif qopheesse,

  *"Ani sifii dubartittii jidduu  sanyii keetiifi sanyii ishee jidduus dinummaa nan busa.Inni mataa kee ni buruqsaa, atis koomee isaa ni iddita". Uum 3:15.*
- ✓ Lakkoofsa kana irratti hundumaa oli kan ilaalluu karoora Waaqayyo isa ilmaan nama fayyisuudhaaf qopheessa mul'isuu isaa ilaalla. Akkasumas lakkoofsi kun waa'e fayisaa dubbachuudhaan isa jalqabaa akka ta'ee ni ilaalla.

  Itti ansuudhaan  lakkoofsa kana irra haqa isaan waa'ee waadaa waaqayyo keennee  arfan irratti xiyyeeffanne ilaalla.

  1. Fayyisaan hala akkamitiin akka dubarti ( durba irraa)irraa dhalatu labsuu isaa ilaalla; hunddii keenya abbaafi haddha qabna. Garuu fayyisaan inni dhufu, dubartti irraa humana Waaqayyootiin akka dhalatu dubata.Abbaa fooni hin qabuu, fayyisaan addunyaa sanyii Adaami irraa hin dhufne, maaliifi  sanyiin Addaami cubbuudhaan waan bora'niif jechuudha. Fayyisaan addunyaa gutu cubbuu malee ta'uu qaba, kanaaf fayyisaan addunyaa gutu sanyii dubartittii dha male sanyii diiraa miti.

2.Dhiphinna fayyisa,  atis koomee isaa ni hidita, 3:15, raajichi Waaqayyo, seexanni namatti gargaaramee,  fayyisaa, akkamitti, akka dararee, ajjeesise agarra; gama biraatiin, dhiphiinni fayisaa ilmaan namaa karaa haqa irraa goran  gara isaa deebisuudhaaf  dhiphachuun

fafisaa akeeka Waaqayyo ture. Inni cubbuu hin qabnee nuti yakkamtoota taaneef du'e nu olche. Jaalalaan lubbuu isaa nuf keenne.

3.Inni sadafaan waa'ee fayyisaa Waaqayyo Seexanatti dubbatee dha… Inni mataa kee ni buruqsa! Kun Seexanaaf oduu gadisisa wayita ta'uu; isaan seexana irraafi cubbuu irraa fayyuuf jaallataniif immoo odduu gamachisaa dha.Dhuma irratti fayyisaan seexan akka mo'atuu fi ilmaan Adaam isaan cubbuu jala bulan birmadummaa akka baasuu lakkoofsa kana keessa Waaqayyo labseera.

4. Sadarkaa arfaffaa irratti, Waaqayyo daanddiin lama (gartuu lama) akka jiruu labsee; hawaasa Seexanaafi hawaasa Waaqayyo. Hawaasa Seexanaa kan jedhaman isaan dubbii Waaqayyo diidanii yommuu ta'an, Hawaasni Waaqayyo immoo, isaan dubbii Waaqayyo fudhatani dha. Yoh 1:9-13.

**Egaa dubbii Waaqayyo beekudhaaf bolla bissaan diibbi Waaqayyo bira jirtaa? Baga gammadde, waan quftuuf:**

**Akka nama keeti barbaaduuttii, akka nama qabeenya dhofkamee jiru qoratuuttis, ishee yoo barbaaddee,atis yommuus Waaqayyoon sodaachuu barata, waan ittiin ishee beektuus ni argatta. (Fakka 2:4-5)**

- ✓ *Waaqayyoo Adaamiifi adha manaa isaatiif uffata gogaa irraa isaanitti ni uffise. Ergassi Waaqayyo goftaan " kunoo namni mishaafi badaa beekuu isaatiin nu keessaa akka isa tokkoo ta'eera; ammas harka isaa hixxatee ija muka jireennaa immoo fudhatee nyaachuunis baba baraan jirchaachuun isaaf hin ta'u, jedhe. Kanaafis Waaqayyoo goftaan nama iddoo dhaabaa Eden keessaa gad baasse; namichis lafa ofii isaatii biyyoo issaa irraa kutame sana akka qotatu ni godhe. Waaqayyo nama gad oofee karaa isaa gara muka jireenna kennutti gessus sanas egsise.( Uuma 3:21-24)*
- ✓ Gatiin cubbuu du'a ta'u isaa barsisuudhaaf jedhe Waaqayyo horii ajjeesuudhaan, diiga loolaasee, arsaa godhe, gogaa sanaa irraa immoo uffata isaaniif qopheesuudhaan, buurqaan fure isa qofa ta'u isaa isaaniin agarsise.

  *Dhiiga oto hin dhangalaasin dhifamuun cubbuu hin jiru. Ibroota 9:22.*

- ✓ Waaqaqyyo Edeni keessaa isaan ergabaasse boodaa ergamoota balbala irradhaabe. Ennuullee muka sana irraa lumuu akka hin nyaanneef jechuudha. Achi keessaa bahani gamachuun hin jiru.
- ✓ Gamachuun sun kan hareeffamuu karaa hoolaa Waaqayyo kaku haraa keessa qopheesseen, karaa goftaa keenya yesusiin qofaa dha!

Seerri irra daddarbaa baay'eessuudhaaf jidduu lixe; garuu lafa irra daddarbaan baay'atetti immo ayyaanni Waaqayyo caalaatti baa'ate. (Rooma. 5:20)

**KUTAA TOKKOOFFAA**

**BARUMSA 10 FFAA**

**Qaahinii fi Abeeli**

**Sirna wareega ittiin qopheessan.**

**Seera Uumama 4**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

**Baruumsa darbbee keessa, Adaamiifi Heewaaniin erga yakkan booda, isa sanyii isaan human cubbuu , seexanaafi jaannama irraa fayisaa baraaruu akka erguu labsee akka tureilaallee turre.**

Waaqayyo ofii isaatiin akkam arsaa akka qopheessa, gofaa horii sana irraa uffata qopheessa warra qullaa turan akka ufisee agarre turre.Cubbuun ilmaan nama bakka lamatti akka hiree, tokko ilaan ifaatiifi inni kaan immo ilmaan dukanaa ta'an jechuudha. Isaan dubbii Waaqayyo fudhatan, ilmaan ifaa wayita ta'an, isaan dubbii Waaqayyo didan immoo ilmaan seexanaa jedhaman jechuudha.

- ✓ Hardha waa'ee Qaaniyin isa dubbi Waaqayyo dideefi fi Abeeli isa Waaqatti amanee ni ilaalla;

Cubbuu isaani wajjiin Edeni keessa Waaqa Qulqulluu wajjiin jiraachuu waan hin danddeenyeefi, cubbuun isaanis tokkuumaa Waaqa Wajjiin qaban booreesse.Hata'u malee ammayyuu waaqayyo isaan ni jaallata.

Addaam Haawwaan haadha manaaa isaa bira ga'e. isheenis ulfooftee ilma Qaayini jedhamu deesse. Ani gargaarsa Waaqayootiin nama tokko godhadheera; itti dabalates obbooleessa isaa Abeeliin deesse. Abeelin tiksituu hoolaa ta'e, Qaayinin garuu qotuu ta'e. Uumama 4:1-2)

- ✓ Kitaabi Qulqulluun , Addaam waggaa dhibbaafi soddooma jiraatee, ilma fakkaatti isaa ta'e fi bifa isaa qabu tokko dhalche. Kanaaf Abeeliniiif I Qaayiniin amala cubbuutin uumaman jechudha. Isaanis Waaqa ni beekuu, akkamitti akka gara Waaqayyo dhiyaatan ni beekuu.

Kitaabni Qulqulluun akkana jedha:

*"Guyyaa baay'ee booddee Qaayin wanta lafa irraa galfatee irraa Waaqayyoof keennaa dhiyeessee. Abeelis immoo hoolota isaa keessaa warra dura dhalatan qalee coma isaanii arsaa dhiyeesse. Waaqayyo gara Abeelifi gara qalma isaa faara tolaadhan ni ilaale. Gara Qaayin fi gara kennaa isaa garuu faara tolaadhaan hin ilaalle." (Uumama 4:3-5)*

- ✓ Mee haa ilaalluu namoonni lama Waaqaaf sagaduudhaaf deemani.Jarri lachuu wareega dhiyeessan.

  Macaafni Qulqulluun akkana jedha:

  *"Waaqayyo gara Abeelifi gara qalma isaa faara tolaadhan ni ilaale. Gara Qaayin fi gara kennaa isaa garuu faara tolaadhaan hin ilaalle."*

- ✓ Waaqayyo maaliif wareega Abeeli fudhatee, kan Qaayini fudhachuu dide laata? wareega lamaan sanneen jidduu garaagarummaan jiraa laata?

  Isa wareega horii fudhate isa wareega kuduuraa maaliif fudhachuu diddee laata?

- ✓ Kitaabni Qulqulluun akkana jedha:

  *Abeel amanttaadhaan arsaa isa kan Qaayin caalu Waaqayyoof dhiyeesse, Waaqayyo keenna isaa fudhate, isaaf dhugaa ba'eera;Abeel* ***amantti isaatiin*** *qajeelaa akka ta'es*

*dhugaa ba'ameeraafi;inni du'e garuu karaa amanttii isaattii ammayyu dubbachaa jira.( Ibroot 11:4)*

- ✓ Waaqatti amanuu jechuun maal jechuudha? Waaqatti amanuu jechuun dubbii isaatiif ajajamuudhaaf cininnachuudha.Amantti jechuun wantti Waaqayyo dubbatee dhugaadha jedhani fudhachuudha. Waaqatti ni amana jettee wantta Kitaaba Qulqulluutti barreeffame yoo hin amannee taanaan amantta miti jechuudha.**Waaqayyoo fi dubbiin isaa tokkoodha**. Waaqatti amana jettee yoo dubbii isaatiif ajajamuu diddee, Waaqatti hin ammannee jechuudha.
- ✓ Waaqayyo wareega Abeeli fudhatee, inni amantaadhaan waan keenneef ture, Haluma sanaan Kaayine illee keennaa wareegaa fidee ture, garuu afaaniin malee dalagaan isaa amanttaa hin mirkaneessuu ture.
- ✓ Nukeessaa namni tokko Waaqayyo maaliif wareega horii barbaadee jedhee gaaffachuu danda'a? Waaqayyo dhiiga oto hin dhangalaasiin immoo dhifamuuncubbuu hin jiru maaliif jedhe laata? qabatamni isaas,Seerri Waaqa haqa akkana jedha, gatiin, kaffaltiiniifi adabii cubbuu du'a ni jadha! Kanaafi dhiigni kan dhangalaa'uuf barbaachise. Gatiin cubbuu, kuduraa yookiin, somaafi sagada miti; yookiin galagaa haqa ta'e dalaguu qofaamiti; Garuu Waaqni Qulqulluun gatiin cubbuu du'a dha!
- ✓ Fakkennaaf namni tokko qarshii hamma tokkoo isinii liqeesse, yoo deebisuu dadhabdan, isin immoo, gatii sanaatiif, hojii qixa sanaatiif si hojjannaa yoo jataniin ni gamachisaani laata? sirumaa isa hin gamachisuuni.
- ✓ Haaluuma kanaan, Haaqayyo cubbuu Abeeliifi Qaayini galagaa harka isaanitiin cubbuu isaani isaan irraa hin haaqnee, garuu karoora isaatiin, dhiiga horitiin isaan irraa haaqe. **Isa kasoo ta'e tokko bakka yakkamaatti du'uu qaba.**
- ✓ Dhifamni cubbuun karoora namaatiin miti, karoora Waaqatiin ta'a male.
- ✓ Gatiin ilma namaatiif gatiin horii qixxee waan hin taaneef, dhiigni horii, yeroo dhaaf hojjata.

  Kanaaf dubbiin Waaqayyo maal jedha:

  Arsaan yookiin wareegnii horii gaadisa isa wanta ba'eessa dhufuf ta'u dha jedha.

  *Seerichi garuu gaadidduu wanta gagaarii dhufuuf jiran sanaa ti malee, bifa dhugaa isa isaan itiin muldhatani miti. Inni karaa aarsaa waggaa waggaa dhaan oto gara gara hin*

*citiin dhi'eefaman sanaa warra dhi'aatan fixaan kan ba'an gochuu matumaa hin danddeenye…. Dhiigni koormaafi re'ootaa cubbuu namootaa irraa fudhu matumaa hin danda'u. Ibroota 10:1-4.*

- ✓ Asi irratti kan xiyyeeffachuu qabnuu, wareegni horii kan agarsisuu, fayisaa biyya lafaa dhufe, cubbuu ilmaan Adaamiidhaaf gati cubbuu isaani baasudhaaf.

  *Kristos immoo gara Waaqayyootti isin fiduudhaaf jedhee, yeroo hundumaaf akka ta'utti al tokkicha cubbuu namoota baa'etiif dhiiphateera.Inni qajeelaan foon uffatee qooda warra jal'otaa ajjeeffame, hafuuran jiraachifame. 1phexi 3:18*

  *"Raajoonni hundinuu namni isatti amanu hundinuu maqaa isaatiin dhifamuu cubbuu akka argatu isaaf dhugaa ba'aniru" Jedhe. (Ho.E 10:43)*

- ✓ Yaada keenya waliitti qabudhaaf, Waaqayyo maaliif wareega Qaayin fudhachuu didee laata? Cubbuun Qaayin, cubbuu Abeeli caalaa laat? Miti; garuu ennuu illee taanaan karaa Waaqayyo qopheesseen ala yoodhufe fudhatam hin argatu jechuudha! Qaayin karaa Isaatiin, yaada isaatiin ,amanttaa haraa isa dhunffaa isaatiin , dubbii Waaqayyo wajjiin wal miliqee dhiyaate. Tarkaanfiin isaa sun immoo gati dhabsiseeni.

- ✓ **Waaqayyo tokko karaan fayinaas tokko qofaadha.**

Fayyinnis yesus kristos qofaadhaan malee kan biraatiin tokko illee hin jiru, maqaan kan biraa itiin fayyuun kan nuf ta'u Waaqa jalaa ilmaan namaatiif hin keennamne, jedhe.(HO.E 4:12)

Yaa michoota karaa jaalala kristoosiin argatan hunddi, barumsa keenya, isa Waa'e Abeeliifi Qaayini dubbatu kan haardhaa isitti dhaabne, kan itti anu immoo torbaan itti fufna. Ebbi Waaqayyo isin irra haaroobu.

**"Dhiigni utuu hin dhangalaasin immoo dhifamuu cubbuun hin jiru."(Ibroota. 9:22)**

## KUTAA TOKKOOFFAA

## BARUMSA 11 FFAA

## QAAYIN QALBII HIN JIDIDDIRANNE.

### Seera Uumama 4

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

**Barnoota daree keessa waa'ee ilmaan Addaami fi Haawwaa lamaan Abeelii fi Qaayin ilaallee ture. Jarri lachhuu aarsaa Waaqayyoof dhiyeessan. Qaayin Qonna isaa irraa wayita dhyeesee Abeeliini immooArsaa hoolaa hir'inna isa dhifama cubbuu argamsisuu dhiyeesse ture; Kitaabni Qulqulluu Waaqayyo "aarsaa Abeeli fudhate kan Qaayin immoo hin fudhanne jedha."**

**Waaqayyo Maaliif aarsaa Abeeli fudhatee laata? Deebiin qabatama ta'e karan Haqa Waaqayyo aarsaa dhigaa waan barbaaduufi dha. Kana irratti Abeel dubbii Waaqayyo amanee wantta Waaqayyo barbaade wayita dhiyeesu, Qaayin immoo, dadhabbii isaatiin fayyudhaaf barbaade sun immoo karaa waaqayyo fudhatuuti miti.**

- ✓ **Erga Waaqayyo aarsaa Qaayin fudhachuu didee booddee maaltuu ta'e laata? boqoonna 4:5 irratti Qaayin aaree boba'e jedha. Qaayin maaliif aaree laata? hojiin issa hamaa waan ta'eefi ture. Namni tokko dalagaa hojadhe sirrii akka hin taaneetti wayita natty hin, irraa fudhachuu yookiin isa irraa dhugaa fudhachuu nan danda'a jechuudha. Waaqayoo Qaayiniin hagoorsu malee, qalbii isaa jijiruudhaaf hin barbaanne, sammuu isaa jijiirudhaaf hin barbaann, abdii kutates, sodaates.**
- ✓ Waaqayyo Abeliin maaliif aartee bobaate? Jedhee, maaliif mataa bufate? **Oto wanta qajeelaa hojjattee, sirraa hin fudhanna miti? Wanta haqa hin hojjatuu ta'e garuu cubbuun balbala kee dura riphee si eegata si aarguus ni kajeela, ati garuu isa irratti aboo godhadhu! Jedhe.(Uumam 4:6-7)** Waaqayyo du'a Qaayin Waan hin barbaaneefi hala kanaan isa gaafateeni ture. Waaqayyo waa'e dina haamaa Abeeliin akeekkachiseeni ture, **dinni suniis cubbuu dha!**

- ✓ **Cubbuu jechuun maal jechuudha? Cubbuu jechuun namni tokko wanti tokko sirri ta'u isaa beekaa, t raawwachuu diduu cubbudha Yaaq 4:17. Cubbuuu jechuun seera malee ta'udha. Namni cubbuu dalaguu hundii kan seexanaati.1yoh 3:4,8.Cubbuu jechuun, human isaa, wantaa qajeelaa ta'e akka hin hojjanneetti nama falmuudha. Cubbuun yaada Waaqayyo wajjiin wal hin simatu.**

  ***Nuyi hundumti keenya akka hoolota karaa irraa badnee turre,adumma addaanis karaa- karaa ni gore, Waaqayyo garuu yakka hunduma keenya isa irra kaa'e.Isaa 53:6.***

- ✓ **Boodatti namoonni waaqa amanuu didanii fi ajajamuu didan carraan isaani maal ta'a laata?**

  ***Isaan kun argaa goftaa duraa , ulfinaa aangoo isaas duraa fageeffamanii badisa bara baraatiin ni adabamu.(2Tasa 1:9)***

  ***Inni namoonnii hundiinu yaada garaa isaani akka geedaratan mallee garrii tokk iyyuu akka badan waan hin barbaanneef obsaan isiniif ni danda'a.1phex 3:9***

Abeel karoora isa Waaqayyo karoorsee fudhatee, aarsaa qalmaa waayitaa dhiyeessuu Qaayin immoo dalagaa harka isaa qonna isaa irraa dhiyeesse.

- ✓ Qaayin cubbuu irratti cubbuu dabalataa deeme malee sammuu isaa hin geedaranne ture,

  *Erga gara lafa qonnaatti ba'aniis Qaayin obooleessa isaa irra ka'ee isa ajjeesse. Uumama 4:8.*

- ✓ *Namni aarsaa hoolaa dhiyeesuu didee obooleessa isaa irra ka'ee dhiga nama qajeelaa dhangalaas! Waaqa dhaga'u didee seexana dhaga'e.*
- ✓ *Akka Qaayin ta'uun hin ta'u. Inni kan hamaa sanaa ture.Obooleessa isaas ni ajeesse.Sababii maalitiif isa ajjeesse? Hojiin ofii isaa hamaa ta'e hojiin obooleessa isaa qajeelaa waan ta'eef isa ajeesse. 13:12.*
- ✓ Ergasi Waaqayyo Abeeliin, obooleessi kee Abeel essa jiraa? Ani hin beekuu obooleessa koo antu eegaa? Wanti gotee kun maal inni? Dhigni obooleessa kee lafa irraa gara koo iyyaa jira. Ati amma abaarsa jala jirtaa, biyya dhiiga obooleessa kee akka dhuguu goote kana ni ari'amta. Nama lafa dhaqu hin qabne taata. Uumam 4:9-12.

- ✓ Adabbiin Waaqayyo maal fide? Lafa yeroo qottu deebii'ee midhaan siif hin baasu; biyya lafaa irrattis jooraa nama lafa dhaqu hin qabnees nitaata jedheen. Uumama4:12.

  *Qaayin fula Waaqayyo duraa ba'ee, Edana gara ba'aa biftuu biyya itti joora hafetti gale. Uumama 4:16.*

- ✓ ***Kan Qaayiniin ari'ee Waaqa oto hin ta'iin Qaayin ofii isaatiin Waaqayyo dura of ari'e.***

- ✓ Ar'asa sanyiin Adaami karaa Qaayin filachuudhaaf garaa fi gurra isaani cufani, hafaan isaani tiin Waaqayyo guddaadha! jedhu. Keessi isaani garuu Waaqayyo fagoodha jedha.

- ✓ Namoonni maaliif dhugaa fudhachu didani laata?

  *Ifichi gara biyya lafaa dhufeera, namoonni garuu hojiin isaani hamaa waan ta'eef ifa irraa dukkana jaallatan.(Yoh 3:19-20)*

  - ✓ *N baa'een hardhas Waaqa hin beekan, akkuuma Qaayin fula isaani Waaqa irraa amoonni akka deebisan ilaalla. Daawiti ; dubbiin kee milla kootiif ibsaadha, Daanddii koo irrattis in ifa. Faar 119:105.*

- ➢ Eennuulle taanaan cubbuu irraa yoo deebi'e Waaqa irraa dhifama argata. Qaayin garuu karaa hamaatti itti fufe.

  *Isaaniif wayyoo! Isaan karaa Qaayin irra bu'aniiru, bu'uudhaaf jedhani gutummaatti irraa kaachuu bal'aa mitti of gad dhiisaniiru, (Yihudaa 11)*

. Hamaa hamaadhaan, abaarsaan abaarsaan hin deebisiinaa! Garagalchi iyyuu eebisaa! Isin eebba akka argattaniif wammamtan. 1phex 3: 9

Waaqayyo isin haa eebisu.

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 12 FFA

## RAAGAA HENOk

UUMAMA 4, 5

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barumsa deerbee keessa Waa'ee waaqeeffannaa Abeelliifi Qaayini ilaallee turre, Waaqayyo gara Abeeliifi Aaarsaa isaa ilaalee garuu gara aarsaa Qaayiniifi aarsaa garuu in ilaallee; sababiin isaas, Abeel akka yaada Waaqayyo yommuu dhiyeessu Qaayin garuu akka feedhi ofii isaa dhiyeesse.**Gatiin cubbuu du'a Waan ta'eef Abeel hoolaa ajeesse dhiiga hoolaa dhiiyeesse. Qaayeen garuu Waaqadhaga'uu hin barbaanne. Qaayin aaree fula Waaqayyo duraa fagaate.**

- ✓ Kitaaba Toraah boqoonnaalee 4 fi 5 yeroo ilaallu, Adaamiifi Haawwaan mucaa birra akka qaban ni ilaalla. Haata'uu malee sanyii Adaamii keessa kitaabnii Qulqulluun kan nutti himuu, kan sanyii karaa Qaayinii fi sheeti obooleessa Qaayin isa xinnaa ture. (Uumama 5:4)

  1. Maati Qaayini, Qaayin maati isaani keessa haadha waarraa fudhe,, isaanis akka aboota isaani Waaqayyoof uulfiinna keennu dhisan.**Ogummaa guddaa haaqabaatan malee, Waaqa hin beekan ture**. Waanuma biyya lafaatiif dursa keennan ture. Magaalaa guddoo ijaaran, meeshaalee garaa garaa ijaaraniis, meeshaalee weelisaa garaa garaa omishanii turanis. Ogeessi isaan keessa wanneen kana hundda hojjatu, **Tuubaal- qaayin** jedhama ture. Naahasa fi Sibila irraa wantoota midhagaa ta'an ni hojjata. Kaneen wantoota midhagaa ta'an hojjatuun, garaafi onnee namaa barechuu hin dandeechisu!

  1.1. Laameeh, namni Kun dhaloota 7 ffaa ture, Laameehiin fakkeenya Qaayin fudhatee, akkumaa isaa, adha waarraalee lama fudhe, akkasumas, akkuma Qaayini ajjeessaa ta'e. **Laameeh akkumaa Qaayin Waa'ee Waaqayyootiif dhimma hin qabuu ture**. Laamee ,horii jaallata, bashananuu nama jaallatu ture.

2.Ulfinni Waaqayyoof haata'u waan seenaan jal'inna Qaayiniif sanyi isaa irra waan hin dhaabbanneef. Akkasumas Waaqayyo waa'ee maati Sheeti nutty hima; bakka Abeelitti Waaqayyo ilma kan biraa bakka Qaayin isa ajjeessett isaaniif keenne.(Uumama 4:25). Maqaan isaas Sheeti ture, **Sheet jechuun immoo filatamaa jechuudha**.

- ✓ Maaliifi laata Waaqayyo Bakka Abeelitti Sheeti isaaniifi keenne laata? deebin kanaa ifa dha; Dallaa Edani keessa Waaqayyo, kakuu waa'ee fayisaa isa biyya lafaa dhufe , human seexanaa cacabsuudhaan ilmaan Adaamiif walbuummaa keennu dubate ture.Fayisaan sunis karaa daanddi Sheeti dhufa ture. Seexanni Abeeliin ajeesudhaaf kaayyoo Waawayyo balleesudhaaf haa jojatumale, oguummaan Waaqaa ogummaa seexaa irraa fagoo waan caaluuf, karoorrii Waaqayyo waa'ee fayisaa kaa'e mo'anaan itti fufe.
- ✓ **Sheeti akka obooleessa isaa amanaa isa dhugaa ture, innis karaa fayinaa Waaqayyo qopheesse filate.Sheeti Akkumaa ilmaan Adaami warra kaani cubbuudhaan dhalate. Garuu karaa haqa filate.**

***Sheetiifis ilmi ni dhalate innis maqaa isaa*** Henok ***jechee moggaase; bar asana namoonni Waaqayyoon maqaadhawaammachuu jalqaban. (Uumama 4:26***

- ✓ Maatiin lamaan kaneen toora Adaam irraa dhufani dha. Isaanis namoota mifa lamaa biyya lafaa kana irratti jiran nutti agarsisan; kunis garaa garummaa, guraachaafi adii jidduu jiruu yookiin gosota garaa garaa keessa jiruu miti.Gartuun sunis, isaan dubbi Waaqayyootiif ajajamaniif isaan hin ajajamnee jidduudha. Isaan Waaqa beekaniifi isaan Waaqahin beekneedha. Isaan daanddii ifaa keessa deeman jidduu fi isaan daanddii dukkanaa keessa deeman jiddudha.
- ✓ Yommuu Waaqayyo nama uumuu akka jiraataniifi malee akka du'aniif miti, cubbuu waan hojataniif du'an, cubbuun du'a waan fiduuf.
- ✓ Gara xummuraati Waa'ee nama Waaqayyo Enochi ilaalla. Enoch isa Waaqa amanuu maati Sheeti keessaa ba'e.Innis raaji Waaqayyo jedhame beekama.Afaan Arabaatti Idiris jedhama.
- ✓ Enoch akkuma namota hundumaa cubbudhan dhalate, hata'u malee, umriin isaa 65 wayita ta'eetti cubbuu irraa deebi'e waa'ee fayisaa biyya lafaa dhuffee aarsaa

dhugaa ta'ee du'uuf jiruu Waaqa amane. Enochis aarsaa dhiigaa dhiiyeesuudhaan amantaa mirkaneesse.Waaqayyoos, aarsaa isaa fudhate, dhiifama cubbuu keenuudhaafi onnee isaa qulqulleesse. Kitaabni Qulqulluun, " Enoch waggaalee 300 Waaqayyo wajiin jiraate" jedha.(Uumama 5:220. Inni haa jiraatu malee, bar asana Waaqayyo wajiin deemun salphaadhaa jechuu miti. Dhaloonni sun hammeenna heedduudhaan isa guttame ture.

- ✓ Jireenya Enochi irraa maal barannaa laata?

  *Henok du'a iyyuu ijaan hin arginetti amantiidhaan ol fudhatame, Waaqayyo waan isa fudhateenis hin argamne, ol fudhatmu isaa dura immoo Waaqayyoon gamachisuun isaa dhugaa ba'ameeraaf.Amantii malee Waaqayyoon gamachisuun hin danda'amu.Enullee Waaqayyootti dhiyaachuu yoo barbaade, inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gati isaani akka keenuuf amanuun isa irra jira. 9Ibroota 11:5-6)*

- ✓ Laameehii fi Enoch dhaloota tokko keessa haajiraatan malee, fedhii walfakaatu hin qaban ture; haalli jireenna isaani akka haalkaniifi guyyaa gara gara ture.

- ❖ **Laameeki Waaqaafi dubbii isaatti hin amanne, Enoch garuu Waaqayyoottiifi dubbii isaatiif jalala qaba ture.**

- ❖ **Laameek xuraa'ummaa seexanaa wajiin wayita deemuu,** Henok **Waaqaa fi qulqulummaa isaa wajjiin deeme.**

- ❖ **Laameek karaa haqa** isa Waaqayyo qopheesse wayita diduu,Enoch garuu jaalalaan fudhate, aarsaa dhiigaa dhiiqama cubbuu isaatiif dhiiyeesse.

- ❖ Laameek, qaarshhii ,beeraa fi jireenya bashananaa wayita barbaadu, Henok garuu, tokkuumaa Waaqa isa jirenna keeneef wajjiin barbaada ture.

- ❖ Laameek cubbuu isaatiin wayita du'e si'oli galuu,garuu Henok immoo bara baraan jirachuudhaaf Waaqayyoon fudhatame.

Anaafi isin eennuun fakaanna Enochiin fakkaana moo Laameekiin fakaan?

*Amantii malee Waaqayyoon gamachisuun hin danda'amu Enullee Waaqayyootti dhiyaachuu yoo barbaade, inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gati isaani akka keenuuf amanuun isa irra jira. 9Ibroota 11:5-6)*

**KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 13 FFAA**

**RAAGAA NOHI**

**OBSAAFI DHEEKKAMSA WAAQAYYO**

SEERA UUMAMA 6

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Jalaqabati yeroo Waaqayyo biyya llaffa uumeetti hundinuu nagaa ture. Wayita abootiin keenya Adaamii fi Haawwaan dogogooruu jalqaban, hamaan biyya laa seene. Akkasumas daandilee yookiin tora lamaan ilaallee ture, toora, isaanis toora Qaayinii fi toora Sheeti. Toorrii Sheeti wayita Waaqatti Amanu, toorri Qaayini immoo Waaqaaafi eaa'ee Waaqaa didani turan. Nama haqa toora Sheeti keessa bahee Enooch wayita ta'u, bara isaa keessa namoonni hundii daboota turan. Isaanis karaa Seexanaa filatan, **Enoch garu Waaqayyo fi qulqullummaa isaa wajjiin jiraate.**

- ✓ Haardha nama biraa bara jaldhootaa fi hammeennaa keesa karaa haqa filate ilaalla. Namni kun raagaa Nohi (Afaan Arabaatiin immo Noh jedhama). Ilama akaakayyuu akaakayyuu fagoo Henoki dha. Akka bara krrnyaa oto hin taane bara duriitti namoonnii bara dheeraa jiraatan ture. Waggaalee 969 enyu akka jiraate dhagettee biyitaa? Matusaalaadha. Maatusaalaan abbaa Laameeki ture, Laameek kan abbaa Nohi ture. Lameekiin ,abbaan Nohi, Laameeki isa sanyii Qaayin irraa adda dha. Nohiin Adaami irraa dhaloota 10 ffaa irra argama.
- ✓ Nohiin uumriin isaa 500 wayita gutuu, abbaa Seemi, Haami fi Yaafeeti ta'e.

- ✓ Barri nuti keessa jiraanu fi barri Nohiin keessa jiraate waan walfakkaatuuf, waa'ee Nohibarachuun keenya bu'aa guddaa nuf keennaa jenne abdanna.Bubbiin Waaqayyo:

  *Waaqyyo yammuus " jal'inni namaa baa'chuu isaa wanta namni guyyaa hundumaa garaa isaatti yaadee qopheessu hundinuus jal'a ta'u isaa ni arge."( Uumama 6:5)*

  *Yaadni hamaa hundinuu keessa yaada garaa namootaatti ni ba'a; isaan immoo,halaluummaa,hanna nama ajjeechaa, ejummaa sassata, hammina,haxxummaa.gad dhiisa, weennoo, nama salphisuu,,of tuulummaa, dagatummaa.Wanti hamaa kun hundinuu keessa yaada garaa namaatti ba'a nii turaa'a nama ni godhu. Maar 7:21-22.*

- ✓ Dubbiin Waaqayyo, namni foon ufate wan jiruuf, hafuurrii koo yeroo hundumaa isa wajjiin hin ture; umriin isaas waggaa 120 ta'a.uumama 6:3.

- ✓

Asi irratti kan nuti barrannuu amala Waaqayyo obsa ta'u isaatifi, obsi isaa immoo daangaa akka qabu ilaalla. Namni bar asana 969 jiraata ture, Waaqayyo isa balleesuudhaaf murteesse, arjummaa isaatiin immoo waggaa 120 ilma namaa obse. Obsaa fi dheekama; Waaqa haqa fi waaqa adabu!

- ✓ **Namoonni tokko tokko Waaqayyo ilmaan namaa haleeluudhaaf jedhe isa ulee baatatee Waaqadeemu fakkeesuun, kan gochuu isaatinis akka gamadutti fudhatu.**

- ✓ **Kun immoo, Waaqayyo hin, aaruu hin adabus jedhani fudhatu. Inni garuu akka kanaa miti.**

  **Waa'e amala Waaqayyo kitaabni Qulqulluun, Waaqayyo,ala arjaa fi Waaqa haqa akka ta'ee, obsaa fi dheekama; akkasumas, warra cubamootaaf gara laafeessa akka ta'e, fahisaafi abbaa murti akka nubarsisa. Waa'e kana irratti raajoonn:**

  ***Guyyaan Waaqayyo akka guyyaa kumaati, guyyoon kumaatamni immoo akka guyyaa tokkooti. Guyyaan Waaqayyo akka hattuu hannaaf dhufudha, 2phex 3:8-10.***

  ***Waaqayyo abbaa firdii isa qajeelaa dha, guyyaa hundumas dheekamsa isaa ni mul'isa. Namni yaada garaa isaa yoo geedarachuu dhaabaate Waaqayyo billaa isaa ni qara;Faar 7:11-12.***

- ✓ *Wangeela keessas*

*Dheekamsi Waaqayyoo,Waaqayyo malee jiraachuu fi jaldhiinna namoota hundumaa irratti namoota hundumaa irra ni mul'ata.Rooma 1:18.*

- ✓ Egaa atiif ani dheekamsa isaa jalaa baanaa laata?

  Arjuummaan Waaqayyo gara karaahaqaa isa nama geessuu dha, yoo dubbii isaa diddee gara booddee jette, maal ta'a ? wanni hundinuu bori ni dhaqabaa yoo jette, akkuma dubbuun Waaqayyo nu barsisu guyyoon Waaqayyo akka yeroon  hattuun,hannaaf hala maali keessa akka dhufu hin beenneetti, badiidhaan fudhatamuu danddeenya, kanaaf haadamaqnu!

- ➢ Waaqayyo Nohiif ayyaana isaa maaliif baayisee laata? Nohiin ayyaana sanaaf waan ga'umsa qabeefi laata? miti, ayyaanni akkasi, ayyaana Waaqayyo miti. Ayyaanni bu'aa irra hundaa'e  ayyaana ta'u hindanda'u. Ayyaana jechuun, badhaasa bu'a tokko malee keenamuudha. Waaqayyo maaliif Nohi qofaaf ayyaana isaa baa'isee laata? kitaabni Qulqulluun akkana jedha; Nohiin Waaqayyotti amane.

*Waaqayyo yommus Nohin,  yeroon umamni foon uffate hundinuu fuula koo duraa itti raawwate dhumu ga'eera.Uumama 6:13.*

- ✓ *Nohiin dubbii Waaqayyo dhagahee  dooni ittiin miliquu qopheessa isaan gama kaaniin jiran garuu itti qosaa turan. Balballi dooni ittiin fayyan tokko ture, furtunis harka Waaqayyo ture. Namoonni gorsa Noohi  didan, Nohiin Waa argee, waa dhagahee ture, atiis ar'a isa Waaqayyo sitti bubbataa jiruuf maal jedhaa jirta?Sabni sun balaan loolaa tasa isaanitti dhufe isaaniin balleesse.*

  *Bara kanatti karaa baa'eetiin Waaqayyo ni dubata.Kanaaf barri keenyaafi barrii Nohi waalfakaata jenne kaane.*

  *Inni : Guyyaan goftaa immoo akka hattuun dhufutti  ni dhufa…2phex 3:10.*

Thus God told Noah how he planned to bring floodwaters on the earth to destroy everyone who refused to repent

*"The Lord is not slow in keeping his promise, as some understand slowness. He is patient with you, not wanting anyone to perish, but everyone to come to repentance. But [the day of God's judgment] will come like a thief."* (2 Pet. 3:9,10)

**KUTAA TOKKOFFAA BARUMSA 14 FFAA**

**NOHI FI LOLAA GUDDAA**

**SEERA UUMAMA 7**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnootta darbee keessa Waa'ee Nohi isa dhaloota Adaamitti anee jirutti nama dhalatee ture. Bara malaamaltummaa fi jibbamaa keessa waaqayyo wajjiin deemme.Iddoo kanatti Waaqayyo hammeenna ilmaan namaatti akka gadde ni ilaalla.

*Waaqyyo yammus jal'inni namaa lafa irratti baay'achuu isaa wanti namni guyyaa hundumaa garaa isaatti yaadee qopheessuu hundinuus jal'aa duwwaa ta'u isaa ni arge. Uumama 6:5. Waaqayyo isaan qalbi hin jijirree balleessuudhaaf akka murteesse ni ilaalla. Haa ta'u malee, arjummaan Waaqayyo Nohiif baayyatee ture*

- ✓ . Ilmaan namaa lafa irraa balleesudhaaf akka murteesses Nohitti himee,Lolaa guddaa akka fiduu Waaqayyo Nohitti himee, Nohiinis Doonis akka qopheessu itti hime.
- ✓ Nohiniifi matiin isa Dooni sana hojjachuudhaaf Waggaa dhiibba tokko gutu jalaa fixe.
- ✓ Dooni hojjachuu qofaa miti namoonni bara isaa gara Waaqayyoo akka deebi'anis lalabaa ture.
- ✓ Namoota kumaatamaaniifi kuma kumaataman lakk'aman keessa nama meeqatuu gara Waaqaa deebi'ee laata?

  *Markaba kanaan namoonni muraasni kana jechuun namoonni saddeet bishaan keessa olan.( 1phex 3:20)*

  Namoota 8 jechuun ,Nohiifi hadha warraa isaa fi ijoollee isaatiif haadha warraa isaani wajiin jechuudha.

- ✓ Lafa robin hin jirreetti dooni yookiin Markaba hojjachhun, namoonni akka hojjataniss akeekachisuun gowwuummaadha. Lalabus Doonis hojjachuu hin dhisne.
- ✓ Nohiin akka Waaqayyo itti agarsiseetti Dooni hojjatte raawwate. Garuu namoonni itti seenu qaban. Isaan garuu isa caqasuudhaaf hin barbaanne turan. Uumama 6:22
- ✓ Booqonnaa 7 irratti ,Waaqayyoon Nohiidhaan,dhaloota kana keessa si fi maati keetti qulqulluummaa waan argeefi ati maatiin kee Dooni keessa seena.bineelda keessa lamalamaan qopheesse dooni keessa isaa wajjiin galche.

Why did Noah and his family enter the ark? Because they saw a cloudy sky?Because they smelled the coming rain? No! A clear sky is all they saw when they entered the ark. Why then did they go in? There is only one reason. They entered because **they believed what God had said**. Perhaps there were those outside who thought: "I also believe God, but I am not going to go inside that ark! I believe in God, but I cannot accept Noah's preaching!" What can we say about those people? We can say that **they did not really believe God**, because they did not believe what God testified through His prophet. They refused to repent of their sins and they refused to accept the way of escape which God had provided for them through Noah. They may have honored God with their lips, but their hearts were far, far from Him.

- ✓ Kitaabni Qulqulluun waa'ee maatiin Nohi Dooni keessa seenaniif Maal akka jedhu yaadata**? Waaqayyo balbala doonichaa isaan irratti cufe.**

Obsi isaa raawwatame dheekamsi isaa immoo mul'achuu jalqabe. Waaqayyo balbalicha cufe.
**Yoo Waaqayyo cufe taanaan ennuu illee balbala sana banu hidanda'u.**

Akkuma Waaqayyo dubatetti lolaa fide,samiin dukanaa'e, qilleensis qilleensa'u itti fufe. Dumeesii ,balaqeessii fi kirkira lafaa mul'achuu jalqabe. Isaan bashananaa ,Waaqa hin barbaannuu jechaa turan sun amma sodaadhaan guttaman. Kitaabni Qulqulluun bulti afurtama keessa wanta ta'an ifa ifati nuti hima:

Uumamni foon uffatee lafa irra soch'u hundinuu, simbiroonni allaatiin,horiin qe'ee bineensoni munyuuqan, lafa irratti munyuuqan hundinuu, namoonni hundinuus ni dhuman. Uumama 7 :21-23.

- ✓ *Addabbii lolaa bishaani dhaloota  Nohi irraa wanta barachuu qabnuu tu jira. Firdiin dhaloota Noohi irraa caaluu  dhaloota kana irratti akka dhufu kitaabni Qulqulluun nubarsisa:*

*Kana booddees teesso adii  guddaa tokkoo fi  isa teessicha irra taa'e nan arge samiifi ardiin isaa  duraa ni baqan, iddoonis isaaniif hin argamne.Warra du'anis guddaanis xiqaanis teessicha dura utu dhabatanii nan arge. Macaafni nibaname; macaafni biraa,inni warri jireenna argachuuf jiran itti caaffaman, tokkos  ni baname.; warri du'an immoo akka hojii dura hojataniinitti akka isa macaafoota keessatti caafatameettis firdii argatan.Namni maqaan isaa macaafa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti  hin argaminis kuufama ibiddaatti gad ni darbatame. Mul'ata 20:11-12,15.*

- ✓ *Balballi fayinaa cubamootaaf akkuma bara Nohi namoota hundumaaf banamee jira. Isaan karaa kana seenuudhaaf barbaadan duwwaa badii irraa ni olu.*
- ✓ *Bara keenyatti balbabbii fayinaa Gofta yesus qofaa dha. Macaafni Qulqulluun ifatti kaa'ee jira:*

  *Balbalichi ana inni anaan ol galu ni fayya, ol ni gala, gadis niba'a. yoh 10:9.*

  *Yoo immoo fayinna guddaa akkisi isa goftaan ofii isaatti jalqabatti dubatte tuffanne,attamitti isa jalaa baana ree? Ibroota 2:3.*

  *Bara nagahaa bara milkaa'inna bara jaalalaa isiniif haata'u!*

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 15 FFAA

## NOHI FI AMANAMUMMAA WAAQYYO

## SEERA UUMAMA 8, 9

Michoota dhaggeeffattoota keeyya  maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa  arjummaa isaatiin qopheessee  ilmaan namaa  dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen   nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota  raagaa Nohi irra jalqabne har'a nitumurra, irrattu waa'e Nohi fi lolaa guddaa ilaallee turre.Bara Nohi keessa hammeenni ilma namaa baayyee guddaa ture.Kana irraan kan ka'e

Waaqayyo dhala namaa hundumaa cubbuu isaani irraa kan ka'e lafa irraa balleesudhaaf murteesse. Saba abaaramaa sana jidduu Waaqayyo nama isa gammachisee tokko argate, namni kun Nohi ture. Nohiin Waaqa jaallataa ni abdataas ture. Da'oo isaafi maati isaatiif ta'e ,Waaqayyoon ajajame Dooni, ykn markaba hojjate.Nohinii fi maatiin isaa Dooni sana hojjachuudhaaf waggaa dhibba tokko jalaa fixee ture. Dheekkamsi Waaqayyo bu'u jalqabee, balaqiani bakakaa walitti fufee roobu jalqabe,itti fufe lolaan lola'u jalqa, isaan tuffiidhaan Nohi irra qosaa turan hunddii, amma erga yeroon sokkee jedhe dhugaa beekani, haata'u male, yeroon fayinaa isaan jalaa miliqeera ture. Waaqayyos balbala Doonicha isaan jalaa cufe.Dubbiin qabatama kanaa dhaloonni Nohi carraa Waaqayyo isaani keenne ittigargaarmudhaaf qophaa'o Waan hin turreefi dha.

Hamma gaaroonni, tulloonnii liqimfamaniitti Roobni bulti 40 guyyaa fi galgala robe.Dooniin garuu bishaanicha irra balali'e; kitaabni Qulqulluu akkana jedha:

*Umamni foon uffatee lafa irratti socho'u hundinu simbirroonni, allaattiin, horiin qe'ee bineensoonni,munyuuqaan lafa irra munyuuqan hundinuu, namoonni hundiinuu ni dhuman….Nohii fi warra isa wajjin markabicha keessa turan duwwaatu hafe. Uumama 7:22-23.*

- ✓ Warra Doonicha keessa galanitti maaltu ta'e laata? Waaqayyo isaaniin dagatee laata? Inni simbirroota qillleensaa soruu, fedhii Waaqayyoon alas waan tokko illee hin taanee, uumama fakkeenya isaatiin uumaman sirumaa hin iirraanfatu.

  *Waaqayyo immoo ammas Nohin, horii qa'ee fi bineensoota warra isaa wajjiin markabicha keessa jiran hundumaa ni yaadate, Waaqayyo qilleensa lafa irra ni dabarse; bishaanichis gad gale. Markabichi ka'ee ji'a torbaffaa isaatti ji'icha keessas guyyaa kudha torbaffaatti tulluu Araaraat gubbaa ni bufate.Uumama 8:1-4.*

- ✓ Waaqayyoon ajajamee markabicha keessaa maati isaa wajjiin erga ba'e boodde, tarkaanfiin inni fudhate Maal ture? Aarsaa galataa horii qulqulluu aarsaa iddoo arsaa ijaaree sana irratti dhiyeesse.

*Dhuguma iyyuu akka seerichaatti wanti hundinuu dhiigaan ni qulqulleeffama jechuun ni danda'amaa, dhiiga utuu hin dhangalaasiin immoo dhiifamni cubbuu hin jiruu. Ibroota 9:22.*

Waaqayyo foolii isa garaa ciinsu sana urgeeffatee, yaada isaa keessatti,yada isaa keessatti, " wanti namni mucummaa isaatii jalqabee garaa isaati yaadu hamaa yoo ta'ee iyyuu, sababii namaatiif ani deebi'ees akkan kanaan dura godhe uumama jiraatu hundumaa matumaa hin balleessu. (Uumama 8:21; 9:1, 9, 11-15)

- ✓ Booqonnaa 8 fi 9 gubbaatti Waaqayyo irra deeddeebi'e waa'e kakuu wayita dubbatu ilaalla. Kakuun kun isa Waaqayyoon keennamuu waadaa addaati. Waaqayyo kakuu keenne ni raawwata.Inni amanamaa dha. Ilmaan Nohiif amanamummaa isaa deebi'eeagarsiisuuf barbaada. Kanaaf ture, Waaqayyo deebi'e uumama isaa lolaa bishaanitiin hin balleessu jedhe kan waadaa seene.Sabatawaaqaa dumeessa keessa dhaabudhaan kakuu isaa mirkaneeffate.

- ✓ Sabatawaaqaa bareedhaan dumeessa keessa muldhatuu mullatto amanamummaa Waaqa akka ta'e beyitaa laata? sabatawaaqaa dumeessa keessa wayita ilaalluu amanamummaa isaa yaadanna! **Waaqayyoos kakuu isaa ni eggata!**
- ➢ Walumaa galatti yommuu laalluu, Nohiin bishaan lolaa booda waggaa 350 jiraateera, dhaloota isaa keessa, mee gaaffiilee lama hakaafnu;1. Garaagaruummaan isaafi dhaloota bara isaa jidduu jiruu akkam ture? 2.Nohiin Waaqa isaa gammachisuudhaaf maal dalage? Nohiin waan tokko qofa godhe, innis Waaqatti amanu.

*Amantiidhaan malee Waaqayyoon gammachisuun hindanda'amu.Nohi isa amantiidhaan isa Waaqayyo wwa'ee waan yeroo sanatti ija namaatti hin mul'anneetti akeekkachiise dhag'ee sodaatee,warra mana isaa oolchuufis bidiruu tolfate.Amantii isaatiin immoo biyya lafaatti yakka muree, qajeelina amantiidhaan argamus qabeenya isaas ni godhe. Ibroota 11:6-7.*

*-Kitaabni Qulqulluun amantiidhaan jedha, namoonni bara Nohi garuu, Waaqatti hin amannee jechuudha.*

-Maal amanee dubbii Waaqayyo amane.Waaqayyootti amane.

-Garuu amanamummaa Nohi caala manamummaan Waaqayyo barbaachisadha. Maaliifi Waaqayyo kakuu isaa ni eeggata, Nohiin garuu kakuu sana argachudhaaf Waaqatti hirkachuu qaba Waaqayyo garuu ennu illee irratti hin hirkatu.Ameen!

*Yoo nuyi amanamoo ta'uu dhabaanne,inni ofii isaa ganuu waan hin danddeenneef,inni akkuma amanamaa ta'etti ni halfa.2xim 2:13.*

*Waaqayyo inni gara tokkummaa ilma isaa yesus kristos goftaa keenyatti isin waame, amanamaa dha. 1qor 1:9.*

*Caaffata qulqullaa'aa keessa, kunoo mataa golee qajeelchu, isa fo'amaa,isa gati qabeessas, xiyoon keessa nan kaa'a; inni isatti amanu hin saltatu. 1phex 2:6.*

**KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 16 FFAA**

**GAMOO RIQAA BAABILOONII**

**SEERA UUMAMAA 10, 11**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- ✓ Kutaa 15 ffaa irri,sanyii Adaammi cubbuu isaani irraa kan ka'e isaaniin balleessu akka karoorfatee inni sunis akka raawwatame arginnee turre.Waaqayyo yakkamtota sanaatiif waaggaa 400 akka obse, akka deebi'aniifis yeroo isaaniif keenne ture. Isaan labsii Nohi dhagahani fayyan muraasa turan.
- ✓ Itti annsudhaan , waa'ee lilmaan Nohi sadan sheemi Haami fi Yaafeeti ni ilaalla. Ilmi namaa isaan irraa akka dhufee kitaabni Qulqulluun nuti hima. Sheemiin abbaa Yihudootaafi Arabootaa akka ta'e ilaalla. Sabni Afriikaa fi Chaayinaa immoo ilmaan Haami akka ta'an, lammiin Awuuropa immoo ilmaan yaafeeti akka ta'an ni amanama.Bal'innaan hubachudhaaf yoo barbaaddan, seera uumamaa 10 fi 11 ilaali.
- ✓ Barumsa hardhaa keessa seenaa ilmaan Nohi sadan keessaa waan murteessa ta'e tokko ni baranna. Ilmaan sadan keessaa Sheemiin isa fayisaa biyya lafaa ta'uuf jiruuf

abaabayyuwaa akka ta'u isa filateeni. Yaada qabatama kanaaf, kitaabni Qulqulluun sheemi irratti xiyyeeffata.

*Waaqayyo Nohii fi ilmaan isaa akkana jedhe isaaniin eebise; horaa baay'adhaa, lafas guutaa! Seera uumama( 9:1.)*

Lolaa bishaani booda, namoonni lafa irratti baay'atan, cubbuunis biyya lafaaa xureesse. Sanyii Adaami waan ta'aniif ilmaan Nohiinis cubbuu dhaan dhalatani.**Dooni keessa wayita seenan, amala cubbuu isaani wajjiin seenan ture**. "Hantunni hantuta isa lafa digu dhalti". Lolaan sun sun amala isaani jijiruu hin danda'u. Kanaaf , namoonni biyya lafaa cubbuu dhaan dhalachu itti fufe jechudha.

- ✓ Wanta Waaqayyo abbooti isani irratti sababi cubbuuti kan ka'ee adabii, arjummaa isaaniif godhe ni hinraaffatan:Dubbii Waaqayyo hin amanne jechudha.Sabatawaaqayyo,arjummaa fi amanamummaa isaa mul'isudhaaf dhaabees ni hirraanfatan.

*Waaqayyoon utuma beekanii akka Waaqayyootti ulfinna hin keenineef galatas isaaf hin galchine, garuu yaada isaatiin waan waa'ee hin baafne duukaa bu'an sammuun isaani inni dudaanis ni dukaneeffame,ogeesota odoma ofiin jedhanii gowwoman… Isaan dhugaa waa'ee Waaqayyo sobatti didiraniiru, Waaqayyo isa hundummaa danda'u dhisanii uumamaaf sagadanii hojjetaniif.Waaqayyo garuu bara baraan galateeffamaa dha!Ameen!Rooma 1:21-22,25.*

- ✓ *Akkuma sanyi Qyinii , sanyiin Nohi dhugaa cuqaalani awwaalan.Manttaa qaban ture, garuu amantaan isaani amantaa sobaa ture. Waaqa dhisani Seexana dhagahan*
- ✓ *Nama Namirud jedhamu sanyi Haami keessa bahee tokkotu ture,innis adamsaa ture.Bishaan lolaa booda waggaa 500 jiraate. Sammuu guddaa haqabaatu malee, Waaqa hin beeku ture.Innis karaa, Qaayine, fi saba Nohi hordoofee, seexana dhagahee; Naamirude, magaaloota guguuddoo ijaarudhaan, namoon biyyi lafaa iddoo tokkootti akka jiraatan karrortate.*

*Bara sanatti namni lafa irraa guutummaatti afaan tokkichaa fi haasaa tokkicha qaba ture. Namoonni ba'a biftuutti yeroo godaananitti biyya shiiniimaaritti baka diidiraa argatanii achii qubatan. Isaan kootaa suphee dhoofnee cimsinees ibiddaan ni gubnaa! Waliin jedhan, qoda dhagaa xuuphiin walqabachisuuniif immoo leeleen isaaniif ni hojjate. Yommuus kottaa mandara*

*riqaan isaa bantii waaqaa bira ga'u tokko fii keenyaaf ni ijaarrannaa nuyi gutuummaa lafaa irra didatti akka hin bittimmoofnetti ittiin maqaa ni godhannaa! Jedhe.Uumama 11:1-4.*

- ✓ *Maaliif riqaa ykn gamoo guddaa barbaadani laata? ofii isaaniitiif maqaa guddaa barbaadani turan.*

*Namni ol of qabu gadi ni deebifama, nimbi gadi of deebisuus ol ni qabama jedhe. Maati 23:12*

*Isin namoota biratti qajeelota jedhamuu barbaadduu,Waaqayyoo garuu, garaa keessan keessa ni beeka, waan nama duratti ol fudhame waaqayyo duratti jibbamaa dha. Luqa 16:15.*

- ✓ Guddiina ofii keenyaaf fuldura Waaqayyootti barbaaduuni cubbuudha.Ulfinaaf kan ta'u maqaa tokko qofaadha. Innis Waaqayyo gofta dha!

*Akkuuma caaffame jiru iyyuu namni of jaju gocha goftaatiin of hajaju! Nama gooftaan duubatuuftu fudhatamaa ta'uu danda'a malee, namni ofiif dubbatu fudhatamaa ta'uu nin danda'u. (2 qor. 10:17,18)*

- ✓ *Bara Namirudi keessa namoonni Waaqahin barbaadan, ogummaan keenya ni ga'aa, adaan keenya waan hundummaa ni caalaa, yeroo hin qabnuu, hojii nan qaba , walga'I nan qabaa wantoota kanneen fakkaatan shaakaluu ni danda'u. Kana garuu Waaqayyo ni jibba!*

  *Ani Waaqayyoo dha, maqaan koos isa kana;ani ulfina koo kan biraatiif hin keennu, maqaa koo isan ittiin galateeffamus Waaqyyolii tolfamaniif hin dhiisu. Isaa 42:8.*

- ✓ Ilmi namaa kophaatti jiraachuudhaaf barbaachuun isaa akkamitti gowwoomee laata?

  *Booyyeen dhiqattee dhoqqee keessa gangalachuutti ni deebi'a jedhu dhugaa ta'un isaa, waan isaan kana irra ga'uun ni mul'ata.2 phex 2:22.*

- ✓ Karoora ilmaan namaa isaa irraa fagaatuudhaaf karoorfataniif Waaqayyo maal godhe? Akka salphaatti ilool moo, caldhisee isaan ilaalee laata?

- ➢ Waaqayyo yommuus mandarichaa fi riqaa isaa isa ilmaan namaa ijaaran ilaaluudhaaf gad bu'e. Inni "kunoo isaan saba tokko hundumti isaaniis afaan tokicha dubbatu kun wantta isaan hojjachuuf jiran keessaa tokko illee kan isaan bira ga'uu dadhaban hin jiru. Kottaa gad buune,inni tokkoo afaan isa kaanii akka hin dhageennetti afaan isaani duraa

waliin ni maknaa! Jedhe. Achii Waaqayyo guutummaa lafaa irra isaan bittimse. Uumama 11:5-8.

- Waaqayyo yaada garaa isaani ni garagalche. Biyya lafaa irra isaan facaase. Kanaafi dha, lammiin ilama namaa lafa irratti babal'ate jechudha.Maaliifi Waaqayyo jalqabatti lafa guutaa isaan jedhe ture, isan garuu dubbii Waaqayyo ni morman. Kanaaf ture, Waaqayyo kan isaan bitimse.
- Ilmi namaa Waaqa wajjiin waldhaanso hin danda'u. Inni Waaqayyo wajiin waldhaanuu ni caccaba.Maqaan Baabilooni jedhuu maala akka ta'e beektaa? Baabiloon jechun joonja'aa jechudha. Namni Waaqa irraa yoo fagaatuu joonja'aa ta'a.
- Namoonni Baabiloon maqaa isaani guddisuuf hojjatan. Ati maqaa eennuu guddiisuu barbaaddaa laata? kan maatii keeti moo, kan dhunffaa keetii ti laata? akkas yoo ta' kufaati dha.

  *Namni foon uffatee hundinuu akka margaati, ulfinni isaa hundinuus akka daraaraa margaati margichi ni coollaga, daraaraan isaas ni harca'a. Dubbiin goftichaa garuu haafee bara baraan ni jiraata ni jedhe.1phex 1:24.*

"*'Let not the wise man boast of his wisdom or the strong man boast of his strength or the rich man boast of his riches, but* ***let him who boasts boast about this****: that he understands and knows me, that I am the* Lord*, who exercises kindness, justice and righteousness on the earth, for in these I delight,' declares the Lord."* (Jeremiah 9:23,24)

*"Nama goftaan dubbatuuftu fudhatama ta'uu danda'a malee,namnii ofiif dubbatu fudhatama ta'uu hin danda'u."*(2 qor. 10:18)

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 17 FFAA

## XIINXALA "JALQABAA" 1-11

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi

ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen   nagaa! Siniin Jenna!!

- Hardha Kitaaba Toraah Keessa Waa'ee Muse baranne sana **xiinxaluu fi  xumuruuf** karorfanne jirra. Toraani kitaaba Qulqulluu keessa kutaa jalqabaati. Kitaabni kun , Waaqayyo  wanta hundumaa    isa biraa akka argamanif  isa biraa maddan  sadarkaa nuti hubanutti  kutaa kitaba Qulqulluu bu'ura godhe  nuf  kaa'eedha.Torhaan  kitaabilee shaman watita of keessaa qabu,kitaabni inni jalqabaa Seera uumamaa wayita ta'uu, innis haragalfata 50 of keessaa qaba, hara galfta shantamaa keessaas, isaan 11 barachudhaaf yaallee jirra.

Boqonnaa 1:1 wantta dubbatuu yaadataa laata? jalqabattii Waaqayyo samii fi ardii uuume jedha.Inni Waaqa bara baraati. Oto wanni tokko illee hin jiraatiin Waaqayyo kphaa isaa jiraataa ture. Kanaaf ture, Lakkoofsi jalqabaa kan boqonnaa jalqaba **" Waaqayyo jalqabatti!"** jedhe kan dubbatu.

- Itti ansudhaan oto Waaqayyo biyya lafaa oto hin uuminiin dura,  waa'ee hauurota jabaa kumaafi kumaatama  ta'een, maqaan isaani ergamoota jedhame beekamu ilaaalle ture.
- Isaan jidduutii immoo isa ogeessaa,  jabaa fi miidhagaa  ta'e waa'ee Lusiifeeri  isa Waaqayyo ergamoota irra hooganaa isa godhe muude ture.Haata'u malee Lusifeeri of tulummaadhaan Waaqa irratti ka'ee iddoo Waaqayyo fudhachudhaaf yeroon kajeele ture. Cubbuu kanatti hirmaachuudhaaf ergamoonni heeddu akka hilatani isa hoordofan ilaallee turre. Kanaaf Waaqayyo cubbuu hin obsinee Lusifeeri fi ergamoota isaa wajjiin turan hundda arii'ee, maqaa isaa jijjiiree seexana waan jedheefi. **Seexana jechunis faallaa jechudha.** Erga seexana, dallaa Edanii keessaa arii'ee booddee, **jaannama** keessatti abidda hin hindhaamneefi qabbana hin qabnee isaaf qopheesse. Kitaabni Qulqulluunis, murtii bara dhumaatti Waaqayyo qulqulluun  Seexanniifi ergamoonni isaa  abidda bara baraa isaaniifi qophaa'e sanatti ni darbamuu jechudha.
- Dabalataanis, Waaqayyo Ardii fi Samii  wantoota isaan keessa turan hundda  guyyyoota 6 keessatti dubbii isaatiin qofa akka uumee arginee turre.Kana hunddas kan uumee ilma namaa isa uulfinna isaatiif uumeefi ture.Waan fakeenya Waaqayyootiin uumameef **ilmii namaa** baayyee murteessaadha.Waaqayyo namni isa wajjiin tokkumaa jabaa akka qabaatu ni barbaada.Waan kanaatiif  Waaqayyo **hafuura** isaa isa  keessa kaa'e. Waaqa

isaa akka jaallatuuf immo **onnee** isaaf keenne.Dhunffaa yookiin jaalalaan Waaqa isaa akka aboomamuuf yookiin akka diiduu walabummaa isaaf keenne.

Toraah Boqonnaa 2 ffaa keessa immoo, ijaarama dallaa Edanii fi nama fakeenya isaatiin uume Adaami achi keessa akka kaa'e ilaalle turre.Waaqayyo arjummaa isaatiin Addaam badhaadhinnaani fi nagahaan achi keessa akka jiratu godheeni ture.

- ✓ *Kana malees, guyyaa isa uumeetti, Ija mukeetti iddoo dhaabaa kana keessa jiran hundumaa irraa ni nyaata, ija mukicha nyaatani haamaa fi michuu itiin beekan sana irraa garuu hin nyaatin! Gaafa isa irraa nyaatte garuu dhuguma ni duta jedhe.Uumama 2:16-17.*
- ✓ *Waaqayyo qormaata muraasa fula dura isaa akka kaa'e arginee turre.Waa'een kana godheefi isa wajjiin tokkumma dhugaa ijaarufi, akka ajajamuufi yookiin immoo akka diduu angaa isaaf keenne ture.*

Haaluma walfakaatuun, guyya namicha sana uumeetti haadha waarraa isaaf uume ture!Waaqayyo immoo ishee kan uumees cinaacha isaa irraa uume Adaamiif keenne; maqaan ishees Haawwaa ture.Guyyaa ja'a keessa hojii isaa xumuure.Kanaaf kitaabn Qulqulluun akkana jedha:

*Waaqayyo waanuma hojjate hundumaa ni ilaale,kunoo innis baay'ee gaarii ture. Uumama 1:31.*

Kana jechuun Waaqayyo guyyaa torbaffaatti boqote, hojii isaatti gamadee jechuudha.

- ❖ Boqonnaa sadaffaa keessa, cubbuun akkamitti biyya lafaa akka galeetti ilaalle turre.Gayyaa tokko Adaamii fi Haawwaan muka bira hin ga'inaa jedheetti seexanni Adaamii fi Haawwaa argee haxxummaa dhaan

  Dugumaan Waaqayyo, mukeeli dallaa Edanii keessaa hundumaa irraa hin nyaatiinaa jedheeraa? Jedhe dubartitti gaaffate. Isaan hundummaa irraa ni nyaanna, garuu isa muka isa mukeeli jidduu jiruu irraa hin nyaatinaa hin tuqiinaas yookaan immoo ni dutan nun jedhee jiraa jettee deebisteef.Bofni deebisee, du'as hin dutan, garuu Waaqayyo akka ijji keesan baname isa mishaa fi badaa beektani akka isaa akka taatan waan beekuuf isin ittise jedheen.Uumama 3:1-5

- ✓ Cubbuub byya lfaa akkamitti galee kitaabni qulqulluun maal nun jedha laata?

*Egaa cubbuun karaa nama tokkoo biyya lafaatti akkuma dhufe dunis karaa cubbuu akka gale,akkasumas namoonni hundinuu waan yakaniif duuni sanyii namaa hundumaa wal ga'e. Rooma 5:12.*

- ✓ Boqonnaa sadii keessatti,akkuma Waaqayyo dubateetti Dallaa Edenii keessaa isaaniin baase.Hata'u malee oto isaniniin hin arii'iniin dura, fayisaa akka erguu Waaqayyo waadaa seene ture. Kanas mirkaneesuudhaaf Waaqayyos hoola ajjeesse gogaa isaa irraa wayaa qopheesse Adaamii fi Haawwaatti ufise.Fakkeenya kanaanis Waaqayyo gatiin cubbuu du'a akka ta'e isaaniin ni barsise.Rooma 5:12.

*Dhiigni oto hin dhangal'inis immoo dhiifamuun cubbuu hin jiru. Ibroota 9:22.*

- ✓ Boqonnaa afur keessa ilmaan Addaam, Qayinii fi Abeeli ni ilaalla, Abeel hoola hirnna hin qabnee aarsaa cubbuu wayita dhiyeessu, Qaayiniin immoo karaa isaatiin gara Waaqaa dhiyaate, wanta lafa Waaqayyo abaare irraa wanta omishameen dhiyaate,

  *Waaqayyo gara Abeeliifi gara qalma isaa faara tolaadhaan ni ilaale.Gara Qaayiniifi gara keennaa isaa garuu faara tolaatiin hin ilaalle. Uumama 4:4-5*. Qaayin carraa haa argatuu malee, carraa kana kan deebisee ariidhaan ture. Booleessa isaas ajjeesse.

- ✓ Ergasi Waaqayyo Adaamii fi Haawwaadhaaf ilama Sheeti jedhamu isaaniif keenne. Sheetiin akkuma Abeeli, uumaa isaa Waaqeessa ture, aarsaa qalmaas ni dhiiyeessa ture; Sanyii Adaam keessa tora lama ni ilaalla, tore Sheetii fi tore, Qaayini, torri Sheeti yammuu Waaqa Waaqeessuu, torri Qaayini immoo, Waaqa hin barbaadan ture;Inn tora, Sheeti irraa argames Henki jedhama ture, innis Waaqayyo wajjiin jiraate, Akaakayyuun isaas Nohi jedhama, dhaloota miciiramaa sana keessa Nohiin Waaqa barbaada, Waaqeessas ture.Kanaaf, inni Waaqayyootti Waan dhiyaatuuf isaafi maati isatiif doonii akka hojatu itti hime. Isaan Waaqatti hin amanne hundumaa irra Waaqayyo farade. Maati Nohiin ala dhaloonni sun lolaadhaan balleeffame.
- ✓ Nohiin ilmaan sadii Sheem Haam Yaafeti isaan madda dhala namaa ta'an Waaqayyo keenneeni ture; isaan keessa baa'een isaani dafani Waaqa ni irranffatan.
- ✓ Naamirudii fi duka butoonni isaa, ilmaan namaa bakka tokkooti waliitti qabudhaaf magaala guddo ijjaaaran; yaada isaan waan hin jaallanneef, Waaqayyo afaan isaani wal make; gutuummaa biyya lafaatis isaan facaase;Magaalaan isaan ijaaran sunis Baabiloon

jedhamti, Babiloon jechuun immoo joonjja'aa jechuudha. **Namni Waaqa irraa wayita fagaatu ni joonja'aa**!Walumaa galatti seera uumamaa boqonnaa tokko haangga kudha tokko kan baranne kana fakaata. Namni cubbamaadha, Waaqayyo Qulqulluu dha.

Dhifama cubbu argachudhaaf dhiigni dhangalaa'u qaba, Abeel amane, aarsaa qalmaa wayita dhiyeesu, Qaayin garuu hin amanne karaa dhunffaa isaa deeme.. Waaqayyo …. Gara Abeelii fi qalma isaa faara tolaadhaan ilaale….

Gara Qayinii fi kannaa isaa garuu faara tolaadhaan hin ilaalle. Nuti hardha karra kamitiin milkaa'u, barbaanna laala? Karaan isa gara milkaa'inna dhugaa nama geessu, fanno kristos qofaadha!

*Nu'i obsaa fi jajjabina caffanni Qulqullaa'on nuuf keenaniin abdii akka argannuutti wanti caaffata Qulqullaa'oo keessatti caaffaman hundiinuu nu barsisuuf caaffaman. Roomaa 15:4.*

*Waaqayyo isin haa eebisu!*

## RUTAA TOKKO FFAA BRUMSA 18 AA

## ABRIHAAM MAALIIF JAALA WAAQAYYO AKKA JEDHAME

## SEERA UUMAMAA 11,12

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

**Barnoota dabran keessa waa'ee karaa haqa Waaqayyo barannee turre. Adaamii fi Haawwaa, Qaayinii fi Abeelii, Sheetii fi Henokii , Nohii fi namoota dhaloota isaa,Naamirudii fi riqaa Baabilooni ilaalle turre. Abbooti keenya keessaa namoota muraas turan isaan karaa haqa isa Waaqayyo qopheesse irra deeman.**

- Haardha seenaa nama tokko maqaan isaa kitaaba Qulqulluu keessa jallatamaa ta'e ni ilaalla.Karoora Waaqayyo isa ilmaan namaa fayisuudhaaf karoorfatee keessa iddoon isaa guddaadha. Kitaabni Qulqulluu nama kana **"jaala Waaqayoo"** fi **"abbaa isaan**

**amanan hunddaa jedhaan”.** Namni kun eenyuu akka ta’ee yaadattaaa? **Innis raagaa Abrihaam ture. Afaan Arabaatti(Ibraahim jedhama.**

- Maqaa Abrihaam odoo hin argatiniin dura, Abrihaam Maqaan isaa abraam ture. Waaqayyo maqaa isaa maaliif jijjiiru barbaade laata? seera uumamaa 11 irratti, ilmaan Nohii keessa, gossa Sheekemi akka ta’e ni argina.Akuma Adaamii fi  Nohi jidduu dhaloota 10 jiruutti  Sheemi fi Abrihaan jidduu dhaloota 10 tu jira.Maqaan abbaa Abrihaam Teraah jedhama.

  *Hiiddi dhaloota  snyii taaraa  kanatti fufe ni lakaa’ama, Taaraan isa Abraamin,Naahorin, Kaaraanin dhalcheedha; Kaaraan immoo isa Looxin dhalcheedha Uumama 11:27.*

  Loxin ilma haangafaa Abraami ture. Haati warraa Ahraam immoo Saaraa jedhamtti. Loxiin Abbaan  isaa waan du’eef Abraam jala guddate jechudha. Abbaan Abraam fi Saara tokko ture ,haati isaani garuu gara gara ture. Saaraan masaanttu waan turteef ilmaan hin qabduu turtte.

- Abraam iddoon jireennaa isaa, lafa galaadiiyaani amma Iraaqii jedhame beekkamutti ture. Iddoon sun lafa gamoo  riqaa dhaabuuf jedhe irraa fagoo hin turre. Sabni sun akkama maatii Abraami waaqa tolfamo waaqeessan ture.**Abraam dukkana cubbuu keessa dhalatee guddate**.
- Haata’u malee Waaqayyo abraamitti mul’atee isatti haasa’e.Bara sana  kitaabileen haafuraa waan hin turreef Waaqayyo qajeelumatti namatti ni dubbata ture. Haardha garuu jitaabilee Haafuuraan ni dubata jeechuudha. Kanaaf dubbiin Waaqayyo samii irraa akka dhufu hin eeggannuu jechuudha. Wayita isa raajootaan barreeffamee xintallutti Waaqayyo nutty dubbata jechuudha.
- Waaqayyo Abraamitti, biyya kee dhisii, saba keetii fi mana addaa keetii dhisiiti  gara lafa ani sitti agarsisuu deemi.Uumama 12:1. Gaaffiin kun baayee namatti haa ulfaatu malee, isa gudiisudhaaf kaayoo kaba ture.

  *Waaqayyo gaafa tokko Abraamiin , “biyya kee keessaa, lammii kee keessaa, maatii abbaa kee keessaas ba’iitii, gara biyya ani si agarsisuu dhaqi!Ani saba guddaa sin*

*nangodha, sin eebisa, maqaa keen an guddisa, eebbas ni taata, Warra si eebisan nana eebisa, warra sisalphisan nan abaara, qomoon biyya lafaa irraa hundinuu, sababii keetiif ni eebifamu" jedhe.Uumama 12:1-3.*

- Waaqayyo Abraam gara biyya biraati godaanuuf maaliif ajajeeni laata? kunis kan ta'e Waaqayyo, Abraamiin saba addaa isa, Raagaan fi fyisaan biyya laffa hundumma keesaa ba'u sanyii isaa keessaa akka ba'u waan karoorfateef ture.

  *Qomoon biyya lafaa irraa hundinuu, sababii keetiif ni eebifamu" jedhe.Uumama 12:1-3.*

  Egaa Abraam abbaa dhalootaa kaneen fayisaan biyya lafaa keessa ba'u ta'e jechuudha. Maal isiniitti fakkaata? Abraam dubbii Waaqayyo tiif ajajamee laata? kanaaf ture Waaqayyo lafa biyya abbaa isaa dhisee ba'eef.

  *"Abraam akkuma Waaqayyo itti dubateetti ka'ee adeeme; Loxis isa wajjiin adeeme, Abraam biyya kaaraani yammuu ba'e nama waggaa torbaatami shanii ture. Abraam Saaraayin haadh warraa isaa.Looxin ilma obooleessa isaa, qbeenya looxi wajjiin qabanii fi hojjatoota biyya kaaraanitti kan isaanii godhatan hundumaa fudhatee ba'e".Uumama 12: 4-5.*

- Abraam dudda isaa mana abbaa isaatiif keenne maaliif Waaqa ajajamee laata? Abraam waan waaqa abdateef, dubbii isa ba'i jedhuuf ajajame ba'e. yoo ati baate taanaan ani haala guddaa dhaan sin eebisa. Amanamummaadhaan yeroo ammaatti biyaa Israa'el jedhamutti imale,'
- Abraam biyyatti keessa deeme yeroo sana Warri kanaani biyyatti keessa turan, Waaqayyos ,Abraamiin lafa kana sanyii keetiif keenne jiraa jedheeni. Waaqaa haawaasa haaraa sin godha jedheen lafa haaraas isaaf keenne.
- Iddoo kanatti ogummaa sammuu namaa oliti ta'e ni ilaalla. Sabni kanaan lafa irra jiraata jiran, akkamitti sanyii Abraamiif keennuu danda'a laata? umrin Abraami 75 ture. Saaraan immoo umri 69 irra turtess ilmas hin gudhanne ture. Isaan lachuu dullooman ilma godhatani lafa sana gutani laata" kuni attamitti ta'u danda'a?
- Boqonnaa 13 irratti , lafa anis if keennuu jiruu kana,bal'innaani fi dheerinna isaa irra deemi!Uumama 13:15-17.

- ❖ Abraam biyya Israa'el deeme Abbaa Yihudoota ta'ejechudha. Innis akkuma achi ga'eetti Waaqaaf iddoo aarssaa ijaare.'Hoolaas qalee Waaqayyoof dhiyeesse. Akuma abeel jechuudha. Abrhaam kana baaliif godhe,
- ❖ Ibroota 9: dhiigni odoo hin dhangalaa'in dhiifamni cbbuu hin jiruu waan jedhuuf, gatiin cubbuu immo du'a waan ta'eef aarsaan qalmaa barrbaachisaa waan tureef dha. Sanyiin Abraam akkuma sanyii Adaamii yakkamtoota, wanta Abraamiin adda taasiseeni immoo amanttaaisaati.Fayinnii keenya karaa dhiga looitiin mitii, garuu, karra kristoos ilma Waaqa isa cubbuu hin qabneen karaa goftaa yesusiin qofaadha.Ameen

  *Ani saba guddaa sin nangodha, sin eebisa, maqaa keen an guddisa, eebbas ni taata, Warra si eebisan nana eebisa, warra sisalphisan nan abaara, qomoon biyya lafaa irraa hundinuu, sababii keetiif ni eebifamu" jedhe.Uumama 12:1-3.*

  Eebbifama!

**KUTAA TOKKO FFAA BARUSA 19**

**ABRIHAAM JAALA WAAQAYYO**

**SEERA UUMAMAA 13-15**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Brnotta dabree keessa, buddiin Waaqayyo waa'ee Abraam maal akka jedhuu ilaalle turre; innis jalqabatti Abrihaam akka hin turre, garuu immoo Abrihaam akka ture, ilaalle turre.Abraam biyya kal'aadi yeroo ammaatti Iraaqi jedhame waammamutti akka dhalatee, sabni sunis immoo waaqa tolfamoo akka waaqeessu baranne turre.Eegaa guyyaa tokko Waaqayyo Abraamitti mul'atee, biyya abbaa kee, saba kee dhiisiti gara ani sitti agarsisuu ba'I jedheeni.

- ✓ Kana maaliif akka Abraamitti dubatee yaadattaa? Waaqayyo Abraamidhaan, saba haaraa, isa fayisaan addunyaa, namoota hundumma keessaa dhaltu akka keessaa ba'ufi ture.

*Kanaaf ture, Waaqayyo Abraamiin eebbaaf nitaata , namoonni biyya lafaa hundinuu karaa keetiin ni eebifamu isaan jedheef. Uumama 12:2-3.*

Gara demuu oto hin beekiin Waaqayyoon ajajame, umrisaa 75 itti, akkasumas Umriin Saaraa immoo 69 reyoo tureetti, ilma obooleessa isaan angafaa dhudhe gara Waaqayyo isa gaggeesseetti ilmale. Biyya kanaanitti akkuma ga'een, Waaqayyo itti mul'achudhaan biyya kana sanyii keesiif ni keenna jedheen.Waaqayyo saba haaraa keenuudhaaf Waaqaa seene lafa haaraas itti keenne.

*Abraam nama badhaadhaa horii qe'ee,meeti,warqees baa'ee qabu ture. Innis biyya garamirgaatii ka'ee haamma Bet'elitti adeeme,e, Bet'lii fi Atyi  jidduu lafa dura dunkaana isaa dhaabate ture tokko ni ga'e. Kunis lafa inni dura  iddoo aarsaa  itti hojatee ture.,achittis maqaa Waaqayyo ni waammate.5Loox inni  Abraamii wajjin adeemis immoo  holotaafi ree'ota akkasumas  saawwaniifi dunkaana, kan ufii isaati qaba ture. Qabwwnyii isaani guddaa waan bba'teef wal bira bufachuu isaan dadhabchise; kanaafis walii wajiin jiraachuudhaaf lafichi  isaan ga'uuf hin dandeenye;  yeroo sanatti kan'aanoonni  Pheerizoonni  biyya sana ni jiraatu turan, warri horii Abrihaami tiksan jiddutti  walitti bu'insi ture.8 Abraam yommuus Looxiin " nuyi waliif oboolootaa, kanaaf s'iif  ana jidduutti wara horii kee tiksan jidduuttis  lolli hin ta'in! 9 kunoo lafich guutummaan  si dura jira miti ree? Ana irraa gara gara bayi! Ati gara haarka bitaa yoo fudhatte, ani gara haarka gara mirgaa  nan dhaqa; ati gara  haarka mirgaa yoo fudhatte, ani immoo gara haarka bitaa nan dhaqa" jedhe.10 Loosi gara haarka olii ilaale dachaan yoordaanos bishaan ba'eessa akka qabu, haamma mandara Zo'aaritti akka lafa dhaaba Waaqayyoo, akka biyya Gibxiis akka ture ni arge; kunis utuu mandaroota Sodoomii fi Gomoraa hin balleesin ture.11 Akkasitti Loox dacha Yordaans hunduma isaa ufii isaatiif fo'atee gara ba'a biftuutti  ni adeeme; isaanis akkasitti wal irraa garagara ba'an.12 Abraam biyya kana'anitti taa'e; Loox garuu mandaroota dacha yordaanos jidduu ta'e.; dunkaana isaas haamma mandar Sodomiitti achi bute dhaabate.13  Namoonni Sodom immoo jal'oota cubbuu baa'eedhaanis Waaqayyoon kan yakkani dha. Uumama 13:5-15*

- ✓ Senaa Abraam irraa akkamitti barchu danddenya? Isaan lachu keessaa isa kam fakkaanna laata?  isa yeroo amaa filata moo ?isa bara baraa?Loox lafa gabataa ofii filate, isa lafa

gammoojji immoo wasila isaatiif akka dhisee ni agarra.**Wayita Loox haawwii dhunffaa isaa filatutti, Abraam immoo feedhii Waaqayyo filate.**Nuyi haardha namoota lamaan keessa isa kamiin fakkaanna laata?Dhuma irratti Loox qabeenya isaa maati isaa hundumma yeroo dhabuu, Abraam qabeenya isaa Waaqayyoof keennee garuu waan hundumaa argate.

- ✓ Seera Uumamaa 14, Loox irraa garagar erga ba'e booda, Waaqayyo Abraamitti mul'atee, ija kee ol kaasiti, gara bitaatti, gara mirgaatti, gara lixaati fi gara baha biftuu ilaali, lafa ijaan ilaaltu hunduumaa sanyii keetiif nan keenna.Ani sanyii kee akka biyyoo lafaa baa'isa, namni tokko biyyo lakaa'u yoo danda'e sanyii keetis lakka'u danda'a. Waan ani siif kenneef dheeriinnaaf bal'inna lafaatti deem.Kanaaf Abraam Dunkaana isa buqisee, gara muka gudda  mamiree kebiroon  lafa iddoo aarsaa Waaqayyoofa dhaabeeti deeme.
- ✓ Seera Uumamaa 15, kana boodde  mul'atatti dubbiin Waaqayyo gara Abraam dhufe: " hin sodaatiin, ani wantte keeti gatiin kees gudda dha." Abraam garuu yaa Waaqa guddaa ani ilma hin qabu kana maaliif naa keenitta?  Qabeenya koon kan na dhaalu Garbichi mana koo hojatutu Eleezerii nama Damaasqo dha.Mass dubbiin Waaqayyo gara Abraam dhufe, namni kun dhaala kee hin ta'u.Garuu ilmi si irraa dhatutu si dhaala. Gara didaas isa baasee akkana jedheeni, gara waaqaa ol ilaali, urjii lakaa'I, yoo barbaachisaa ta'e isaan lakaa'u ni danddeetta. Sanyiin kee akkanatti baa'ata.**Abraam Waaqayyootti amanee, innis akka haqaattis lakka'ameef.**

**Bara dullummaa isaatti Abraam, wanta sammmuu namaa ol ta'e Abraam Amane ture. Afaan Ibrootaatti "amanu" jechuun, "Ameen" jechu dha. Yeroo Ameen jennutti fudhannera! tolee jenneera jechuudha! Abraam jechoota salphaa sana  deebi dubbii waaqayyootiif jedheti  isaaf akka haqaatti lakka'ameef.**

- ✓ Nullee hardha, haammam ulfaatu illee, dubbii Waaqayyootiif tollee jechuu qabna! Ameen jechu qabna!

  Dubiin Waaqayyo akkana jedha:

  Amantiin malee Waaqyyoon gamachiisuun hin danda'amu.Isin ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyooti male,gochaa ofii keessanii

miti, hojiidhaanis miti namni tokko illee akka ittiin of hin janynetti.Ibroota 11:6; Ef 2:8-9.

- ✓ Ati haardha Waaqatti amantaa ree? Akkana yeroo jennuu, amantaa jechuun ,Waaqayyo jira moo hin jiruu jechuu miti. Dubbii isaatti akka Abraami Amanuudha! Jiraachu Waaqayyo Seexannuu ni amanaa, garuu seexanni dubbii Waaqayyootti hin Amanu. Yaaq 2:19.

 Abraam Waaqayyootti amane, kunis akka hojii haqaatti lakkaa'ameef,innis jaala Waaqayyo jedhame waammame. Yaaq 2:23.

Eebifama!!

**KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 20 FFAA**

**ABRAAHAAMII FI ISMAA'ELI**

**SEERA UUMAMAA 16,17**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

***Barnoota lamaan dabran keessa waa'ee Abraam ilaalaa turre. Haar'a immoo, Waaqayyo maaliif maqaa isaa Abraam irraa gara Abrihaamitti akka geedaree ni ilaala***

- ***Seenaa Abraam haar'a ilaallu gama tokkoon immoo wanta nama hin gammachisnee tokko of keessaa qaba.Namooni tokko tokko raajoonniwaaqayyo hin dogogorani jedhani yaadu. Dubbiin Waaqayyo garuu, hunddii isaani dogogorani jiruu ulfinni Waaqayyos isaan irratti hir'ateera jedha.Rooma 3:2-23. Hin dogoggoruu si'a jennuu Waaqayyoon sobaa gochuu keenya.(1yoh1:10). Namoota foon ufatan keessaa yesus malee hundinu cubbuu dalagani jiru. Kanaaf inni cubbuu ilmaan namaa hundumma battachuudhaaf danda'a dha.***
- *Waaqayyo Abraamitti saba haaraa isa fayisaan biyya lafaa hundumaa keessa ba'uuf abbaa akka godhuun erga dubaten waggaa kudhan booda,***Abraam Waaqa isaa***

***gargaaruudhaaf akka kaka'ee ni ilaalla****.Garraamummaa isaatiin dalagaan Abrihaam dalagee sun balaa guddaa itti fide ture. Abraami fi Saaraan Waaqa gargaarudhaaf akkamitti haaloota qiqiinddeessan uumama 16 irratti ni ilaalla.*

*Saaraan haati manaa Abraam dhala hin godhanne hojjattu "Agaar" jedhamtu tokko immoo qabdi isheen nama biyya gibxii turte.Saaraan Abraamiin Waaqayyo dhala godhachuu akka nadhowwe ni argita kanaaf hojjattu koo bira ga'i! ishee iraa nama maqaa koo kaasuu nan argadha ta'a jette. Abraamis dubbii Saaraa ni dhag'e. Saaraan haati manaa Abraam hojjattuu ishee agar ishee nama biyya Gibxii sana fidde ,akka haadha manaatti abraam abbaa manaa isheettiif keenite; kunis Abraam biyya Kana'aan keessa waagaa kudhaniif erga jiraatee booda ta'e.4 Innis Agaar bira ga'e isheenis ni ulfoofte, ulfa ta'u ishee of irratti agartee giftii ishee ulfinna dhowwatte.5 Saaraan kana irratti Abraamiin "Anatti balleesu ishee kanatti situ gaaffatama! Ati hojjattu koo ofiitti akka qabduuf anatuu siif keenne isheenis ulfa ta'u isheen of irra erga agitee na tuffatte; Waaqayyo anaafi si jidduutti haafaradu! Jette. Abraamis Saaraadhaan "kunoo hojjattuun kee si haarka jirti, waanuma gaarii ta'e sitti mul'ate godhi!" jedhe ergasi hojii jibisisaadhaan gad ishee qabde;Agaar immoo ishee jalaa baqatte. Seera uumama 16:1-6.*

- Kuni cubbuun Abraam dalagee balaa akkami maati isaa irra akka fide agarsia.Gaar ulfa waan taateef Saaraan ni inaafte.Ergasi gocha Saraan ishee irra raawwateen guddaa ni gadite.Knaaf Agaar Saara jalaa baqatte.

*Dubbiin Waaqayyo: lakk. 7 ergamaan Waaqayyo burgaa bishaani gamooji bira ishee arge… akkana jedheenis, yaa Agaari hojjattu Saaraa, eessaa dhuftee? Eessas deemaa jirtaa? Anis giftii kiyya Saaraa jalaa baqachaa ni jira jette deebiseef, innis, gara gifti kee Saaraatti 'deebi'i galiti gargaariin".Ani saba guddaan sin godha jedheen.Dabalees ergamichi, ati amma ilma wajjiin jirta ilmas ni godhata, Waaqayyo boyicha kee waan dhaga'eef Maqaa isaas Ismaa'el ni jatta.Inni nama akka haarree didooti , inni nama isa falmu ennuu ille ni falama, oboolaa isaa wajiin dinummaa dhaan ni jraata.*

- Ergasi  Saaraan gara gifti ishee deebite, Abraamiif ilama godhatte, Abraamis maqaa isaa Ismaa'el jedhe mogaase.(Afaan Arabaatiin Ishma il), dhalatees abbaa saba Arabaa hundumaa ta'e.Yeroo Agaar Ishmaa'eliin deessuu umriin ishee 86 ture. Waaqayyo Ishmaa'eliif eggannoo haagodhu malee yaada isaa hin geedaranee ture.Waaqayyo akka Abraam hin arifatu. Kan ture nutty haa fakkaatu malee wanni inni dubatee ni raawatama. Kanaaf Ishmaa'el dhalate waagga 13 dabre, Waaqayyo waan tokkolle Abraamitti hin dubbanne ture.Turti keessa guyyaa tokko waaqayyo Abraamitti ni dubbate.

*Akkana jedha:Umriin isaa 99 yeroo ta'eetti Waaqayyo Araamitti mul'ate akkana, jedheeni, " ani Waaqa hundumaa danda'aa dha" haanqinna tokko malee fula kiyya dura deeddeebi'i.Kakuu anaafi si jidduu jiruu nan mirkaneessa, akkasumas saba kee nan gudisa. Seera Uumama 17:1.*

- *Lakk. 3  Yommuus Abraam fula isaatiin  lafatti gadii ni gombifame;Waaqayyo isatti ni dubate;inni kun kakuun ani si wajjiin gale saba sonaan  baa'ee dhaaf abbaa akka taatuu dha;. Maqaan kee si'ichi Abraam hin jedhamu, ani saba sonaan baa'eedhaaf abbaa waanan si godhuuf, maqaan kee Abrihaam ni jedhama.( Abrihaam jechuun abbaa saba baa'ee jechuudha). Kakuu kiyya atiif dhaloonni kee  egu qaba, sonaa keen an ebisa, mootoonni sanyii kee keessa ni ba'u. qabeenya guddaa sifan keenna, anis Waaqa isaani nita'a!  dhiirrii undiinuu guyyaa 8  dhagna haa qabamuu( haa kitaanamu) … lakka 15. Saaraayi si achi  Saaraayi hin jedhamuu saaraa jedhama, ilama isheedhaaf nan keennaa haadha saba gudda ni taati…. Lakk 17. Abrihaam fula isaatiin gadi gombifame, ni kolfe, jaarsa waggaa dhibbaaf ilmi ni dhalataafi ? Saaraan waaggaa sagaltamaa immoo mucaa ni godhatti? Jedhe gaafate. Abrihaam Ishmaa'eliin naaf eebisi jedhe gaaffate, Waaqayyo, hin ta'u, Haadha warraan kee Saaraan siif ilma siif  da'a , atis Maqaa isaa Yisaaq jettee ni mogaafta.Anis isa  Yisaaq isa Saaraan waggaa dhufu deettu wajjiin kakuu nan dhaaba.*
- *Dadhabbiin namaa arjummaa Waaqaa hin jijjiruu!*
- Akkuma ilaala jirruu, maati ilama hin godhanne ilaala turre,Abrihaamiifi Saara, maqaa isaani jijjiire, wanta ta'uuf qabu dubbatee, Abrihaam abbaa saba baay'ee ,Saaraah haadha saba baay'ee, Saaraa jechuun gifti jechuudha. Ilma irraa saba, saba guddaa sana keessaa

immoo mootootaafi roojoonni keessaa ba'an, Waaqayyo bara dheeraa dura isaa Abrihaamiif dubate hin irranfanne.Galanni guddaan isaaf haata'u.

- Abrihaam haala isaafi Haala Saaraa argee kolfee, kuni amanttaa dhabuu ta'nu hin danda'u kolfa gammachuu ta'a malee.

*Badhaadhuummaan araara Waaqayyo hammam guddadha! Ogummaan isaa fi beekumni isaa hamam gad fagaata! Akka inni murtoo godhu,namni qore bira hin ga'u! karaa isaas namni faana dha'ee hin hubatu! Caaffata keessatti iyyuu, Enyuutu yaada garaa Waaqayyo beeka ree?... wanta hundumaa waaqayyotu uume wanti hundumtu isan ni jiraata;wanti hundumaa isaan ni jiraata! Bara baraan isaaf galanni haa ta'u! Ameen!Roomaa 11:33-36.*

Yoo nuyi amanamoo ta'u dhabaanne, inni ofii isaa ganuu waan hin dandeenneef, inni akkuma amanamaa ta'etti ni jiraata. 2Ximo 2:13.

Badhaadha ! horaa! Argadhaa!

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 21 FFAA

## HAAMBBAA SODOMIIF DHALACHU ISAAQI

## SEERA UUMAMAA 18-21

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barumsa baranne keessa kakuu Waaqayyo isa Abraam abbaa saba haaraa kan fayisaan addunyaa keessa ka'u baranne turre. Haa ta'u malee haati warraa Abrihaam ilma hin godhanne, umrin isaanis yeroo irraa gara yerootti gara dulumaatti haala sodaachisuun kalaa'a jira ture.

- Kutaa isaa haar'aa keessa, seenaa diinqsisaa, isa nomoota sadan maatii abarihaam doww'atan ni ilaalla.Namoonni sadan garuu akka uumama kophaa miti, isaan kanaa oli dha. Isaan keessaa lama eerdamaa wayita ta'an tokko immoo Waaqayyo ture! Yaadni kun

namoota tokko tokkoof kana fudhachuun, Waaqayyo danda'aa hundumaa ta'uu isaa waan hinrraanfataniif. Waan badaa ta'een ala Waaqayyo hundumaa ni danda'a!

Seera uumamaa 18 irratti dubbiin Waaqayyo akkas yedha:

Waaqayyo balbala dunkaana isaa muka guddaa mamiree jalatti saafaa guyyaa otoo taa'aa jiruu Abrihaamitti mul'ate,Abrihaam ol mil'ate namoota sadan isatti kalaa'ani dhaabbatan ilaalee, dunkaana issa irraa dafee gara isaani dhaqee suta jedhe sagade. Isin fula duratti,ulfinna yoo argadhee taanaan, garbicha keessan bira hin darbinaa jedhe.Hundii keessan mila keessan dhiiqadhaati, muka kana jala haara galfadha.Waan afaanitti qabdan illee dafee isiniif dhiiyeessa. Isiniis jabaatani karaa keessan ilaltan, amma garuu garbicha keessan bira dhuftan. Isaanis, bareeda, ati waan yaadde, godhi jedhaniin.

6 Yommus Abrihaam aritiidhaan gara dunkaana isa Saaraan keessa jiraatuu dhaqee, dafiiti daakuu ba'eessa qodaa safaraa sadii sukuumii bixillee tolchi! Jedhe.7 ofii immoo gara saawwan jiraniitti fiigee jibiicha ba'eessa foon isaa laafu tokko fuudhee dargaggeessa tokkotti keenne innis dafee ni qopheesse. Abrihaams itittuu fi annan jibichaa isa qopheesises sanas geese isaaniif dhi'eesse, isaanis ni nyaatan; inni garuu mukicha jala dhaabate isaaniif ni ergama ture. 9 yeroo sana isaan, Saaraan ati manaa kee eessa jirti/ jedhanii isa gaaffatan innis " achi dunkaana keessa jirti' jedhe deebisesf.10 Goftichis "bara –egara yowwana deebi'ee gara keen an dhufaa, Saaraan haati manaa kee ilma godhatee na eegdi" Saaraanis karaa balbala dunkaanaa isa dugda duba Abrihaam duubaan jiru ni dhaggeeffatti turte. 11 Abrihaami fi Saaraan lafa guutaniruu, garaa-dhukubbiin dubartiitti dhufus Saaraa irraa citeera.12 Kanaaf "Saaraan garaa isheetti kolfitee, erga dullomee dadhabe, abbaa manaa koo bira ga'uu iyyuu nan hawwaaree? Abaan manaa koos lafa guureera miti ree?" jette.13 Waaqayyo immoo Abrihaamiin ,Maaliif Saaraan ergan lafa guree booddee,amma ani dhugmaan dhala godhadhaa? Jettee kolfite?14 wanti diinqisisaan gochu dadhabuu dadhabu jiraa ree? Bara egara yowwana deebi'ee gara keen an dhufa, Saaraanis ilma godhatte na eegd jedhe. Saaraan garuu sababii sodaateef, "ani hin kolfine" jette gante;inni immoo, "lakki. Kolfiteetta" jedhe.

20 Waaqayyo kana boodde Abrihaamiin , Iyyannii waarra Sodomiifi Gomoraa irratti dhi'aate attam guddaa dha! Cubbuun isaaniis hammam baay'ee ulfaataa dha! 21 Ammas gadi bu'ee wanti isaan hojjatan hundinuu akka iyyata na bira ga'e sanaa ta'uu isaa nan ilaala! Jedhe.

*22 Namoonni lamaan  gara Sodomiitti garagalanii ni adeeman ; Waaqayyo garuu achi waan tureef, Abrihaam fula isaa dura ni dhaabbate.23 Inni gara Waaqayyootti ni dhaabatee, dhuguma nama qajeelaa nama jal'aa wajjiin  lafa irraa balleessuuf jettaa?24 Namoonnii Qajeloonni shantamani mandaratti keessa jiruu ta'e, egaa iddoo sanaa mandara ni balleesitaa?Sababii namoonni qajeeloonni shanttamni achi keessa jiiraniif jettee hin dhiiftuufi?25 Abbaan fiirdii gutuummaa biyya lafaa,firdii ta'u ni keenna miti ree? Kanaaf nama qajeela akka nama jal'aa gochuun, isa qajeelaas  isa jal'aa wajjiin  ajjeesuun  si irraa haa fagaatu! Jedhe.*

[26] *Waaqayyo  immoo deebisee ' mandarattii Sodoom  keessatti  namoota qajeeloota shantama yoo argadhe,isaaniif jedhee guutummaa iddoo sanaaf nan dhiisa jedhe.27 Yommuus Abrihaam "ani illee biyyoo dha, daaraa dhas  immoo ija jabaadheen goftaa kootti dubachaa jira.28 Namoota qajeeloota shantama keessaa shantu hir'ata ta'a , isaan  shaman kanaaf  jettee mandaratti  gutuummaati  ni balleesitaa ree?" jedhe.Gooftichiis achi keessaa  namoot afurtami shan yoo argadhee ani ishee hin balleessu hin balleessu jedhe….. akkana jedhaatiin booda irratti, namoota qajeeloo kudhan yoo argatte hoo jedhe gaaffatee ,nama kudhan yoo argadhee mandaratti hin balleessu jedhee. Laallo 33 Waaqayyo Abrihaami wajjiin haasaa isaa erga raawateen booda, innis deemee Abrihaam immoo gara mana isaa seene.*

- Seera uumama 19:1, ergamoonni lama haalkan keessa Sodoomitti seenan, Loox immoo *balabala madaalatti fula dura taa'e ture. Wayitaa isaan ilaale, ka'e fala irrakufee isaaniif sagade. Yoo goftoota koo mana garbicha keessanitti ol seenaa ,milla keessan dhiqattani, haalkan galee kana nawajjiin dabarfattani, bari gara haajaa keessani deemtan. Isaanis hin hin ta'u " nuti haalkan kana  roga aragaa kanatti dabarfanna.Inni jabaatee isaaniin waan waganiif  isa wajjiin mana isaa ol seenan. Innis nyaata isaani daabboo raaciti hin qabneen qopheesse, isaanis nyaatan.Oto keessumoonni hin cisiiniin dura, dhiiroonni Sodoomii naannoo hundumaa irraa gara magaalatti dhufani mana Looxi marsani, dhiroonnii mana kee seenan ,eessa jiran? as nuf baasi nuti isaan wajiiniin, walqonnamti saala raawwanna jedhaninii,*

Baayyeen isaan walqonnamti saala walfakkaatu isaan shaakalan ture.  Kunis fiidrdii Waaqa irraisaanitti dhufee dha.Rooma 1:26-27.

*Sababii kaaf Waaqayyo gara isakajeellaa  nama salphisutti  dabarsee isaan keenne,dubartoonni isaaniis  karaa ittiin feedha fooniitiif dhiira wajjiin wal bira  ga'an isa uumamaan keenameef dhiisanii  gara isaa uumamaan hin keenamneetti didiiratan…. Waaqayyo immoo yaada jal'aadhaaf fi  waan namni hin hojjanne hojjachutti  dabarsee isaan keenne. Rooma 1:26-27*

- *Seera uumama 19 :12, Waaqayyo Looxiin, maati isaa qabeenya isaa akka magaalatti keesaa baasuu ajajeeni; jabaadhu ,gara booddee hin mil'atinii, karaa irratti iddoo tokk illee hin dhaabbatin, gara akka hin balleeffamnees gaaraattis baqadhu jedheen.*
- *19:24 Yommuus Waaqayyo bantiiWaaqaa keessa  dhagaa boba'u, ibiddas mandaroota Sodoomiifi gomooraa irratti gadi ni roobse.25 innis mandaroota  sana, gutuummaa lafaa naannoo sanaa, warra mandaroota sana keessa jiraatan,hunduumaa, wanta lafa sana irratti biqilus ni barbadeesse. Haati manaa Looxi garuu dugda isaa dubaa gara boodde ishee mil'atte utubaa soqidda taate.*
- *Waaqayyo cubbuu adabuudhaaf gara boodde hin jedhu!*
- *Waaqayyo Abrihaamiifi Saaraaf ilama dhiraa isaaniif keenne, kanaanis kakuu isaaniif keennee raawwate.*
- Seera uumamaa 21:1 Waaqayyo akkuma abdachisee ture Saaraa ni yaadate, Isaaqiin akkuma Waaqayyoo ajajeetti guyya 8 ffatti kitaaname, yeroo sana Abrihaam umrin isaa 100 ture. Waaqayyo waan nu kofalchiseef, maqaan isaa Isaaq jedhame.
- Ishmaa'el garuu Abrihaamiif dhibee itti ta'e, Ishmaa'el Isaaqitti qosuu itti fufe, uumama 21:8, Saaraan kana ilaaltee, ilmi garbichaa issa, haangafaa wajjiin dhaalu waan hin qabneef ari'I jettee Abrihaamitti dubbatte. Waaqayyoonis wanta Saaraa jettu dhaga'i, inni sanyii kee waan ta'eef  ani  isa saba guddaa nan godha.  **Abrihaamis  Agaariin ilma ishee** wajjiin geeggeesse. Waaqni yaada isaa dafee dafee hin jijiruu. Tarkaanfiin Saaraafi Abrihaam sagleeWaaqayyo irra fudhatan gati isaaniin haa baasisuu malee, Waaqayyoo jaala, arjummaa isaa isaan irraa hin fageesine.Ismaa'el  karaa malee haadhufuu malee, isaafis Waaqayyo  arjuummaa isaa baa'isee saba guddaa isa godhuudhaaf waadaa keenne,

*Badhaadhuummaan araara Waaqayyo hammama guddata!Ougummaan isaa fi beekumni isaa hamam gadi fagaata!akka inni murtoo godhu, namnii qoree bira hin ga'u!Karra isaas namni faana namni faan dha'ee hin hubatu! Rooma 11:33*

**KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 22 FFAA**

**AARSAA ABRIHAAMI**

**SEERA UUMAMAA 22**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Hardhas mata dure karaa Haqa qabnee dhiyeessuu keenyatti baayyee gamadnee jirra.Barusa Toraa yommuu xiinxxalluutti waa'ee raajaa Waaqayyo Abrihaam barnoota murteessaa ta'an irratti xiyyeeffannee turre.Haardha immoo waa'ee seenaa dhugaa "Tabaski"(Aarsaa Abrihaam), bu'aa isaa, ilaallaa; Amantaa muslimaa keessa, aarsaan Abrihaam, iddi al-adha, ilama isaa Waaqayyoof isa aarsuuf qophha'ee yaaduudhaaf ayaaneeffatu ture.

Barnoota dabree keessa Abrihaamiifi Saaraadhaaf, bara dulluummaa isaani keessa akkam ilma isaaniif akka keenne agarre turre; kanaaniis Waaqayyo akkamitti kakuu isa keenne akka raawate agarre turre. Ilmi sunis Yisaaqi akka ta'eef, karaasisaatiin immoo karoorrii Waaqayyo ilmaan namaa hundda eebisuudhaaf karoorfate akka raawwatamuu ilaalle turre. Akkasumas ,Waa'ee Ismaa'elii fi Aggaari ilma kakuu wajjiin dhaaluu waan hin qabneef gara biyya misiraa akka godaanan ilaalle turre. Guyyaa tokko Waaqayyo abarihaam wanta dinqsisaa akka raawwatuu gaaffateeni:

- Seera uumama 22:1,guyyoota muraasa boodde, Waaqayyo Abrihaamiin qoree. Akkanas jedhee "Abraahaamiin" asan jira;, Waaqayoon akana jedhe,mucaa kee isa jaallattuu qofa fudhii ti gara biyya mooriiyaa deemi. **Isas aarsaa gubamuu qodhiti gaaroota si agarsisuu keessaa isa tokootti wareegiini.**

**Waaqayyoo ilma isaa isa rakkiinaanii fi obsa guddaa dhaan argatee, aarsaa gubamuu godhee akka dhiyeessuu isaa ajaje. Dubbii Waaqayyo isa fudhachuudhaaf ulfaatu moorme?**

- Dubiin Waaqayyo uumama 22:3, guyyaa itti anutti Abrihaam barii ka'e, haarree isaa rarate. Isa wajjiinis hajjatoota isaa lama fi ilma Yisaaqi fudhe. Yommuu muka qopheesseeti akka Waaqayyo agarsiseen qopheess. Bulti sadii gutuu hojjatoonni isaa lamaanii fi ilmi isaa,eerga deeman boodee gaara Waaqayyoo itti agarsise ghaqaban.Abrihaamis akuman gara gaarati dhiiyaacha jirutti garaan isaa hollachaa fi sodaacha waan Waaqayyo itti himee raawwachuudhaaf qophaa'aa ture. Waaqayyo kana hundumaa kan raawwate, amanttaa Abrihaami qorudhaaf ture, haa ta'u malee Abrihaam kana hundumaa quba hin qabuu ture. Wantti Waaqayyo Abrihaamiin gaattate wanta nama naasisuufi sodaachisu ture.
- Seera uumama 22:4,guyyaa sadaffaatti Abrihaam ol lildhatee, lafa sana fageenaan ilaale. Hojjatoota isaatiin , amma anaaf imucaan koo gararaa keenyee deebiinutti, isiiniifi haarreen as turaa isaaniin jedhe. Achitti Sagadnee dafrnee deebinaa. Mukaa aarsaa dhaaf ta'u Yisaaqi baattachisee, ufii isaa immoo abiddaafi albee qabate.Akkuman isann lachuu imalani, Yisaa abbaa isaa akkana jedhe gaafate, Abaa? Yee jedhe, Abrihaam, "mukni fi abiddii aarsaaf ta'u kunoo, egaa, hoolaan aarsaaf ta' meeti ree?" Abrihaam deebisee, **"yaa ilma kiyyaa hoolaa aarssa gubamuuf ta'u Waaqayyo ni qopheessa.**" Ammallee isaan lachuunu asi achii adeeman.

Lafa Waaqayyo jedheeti wayita gahanitti, Abrihaam, Iddaa aarsaa qopheesse, isaa irrattis, kuka mijeesa. Ergasis, ilma isaa hidhe, muka iddoo aarsaa irra sirreesse sana irratti cibseen. Achi billaa fudhufee Yisaaqiin qaludhaaf haarqa isaa dirirsee, garuu, ergamoonni Waaqayyo, gubbaa irraa Abrihaam,! Abrihaam! Jedhan, innis asan jiraa jedhe, isaanis, haarka kee ilma kee irra hin kaa'iin, waan tokkoo illee isa irratti hin raawwatiin. Akka Waaqa sodaattuu argee ni jira. Ilma kee isa tokoocha anaaf keenuudhaaf gara booddee ati hin jenne. Abrihaam garas wayita mildhatu, kukeeli keesa hoolaa gaaffi isaa gaaleedhaan qabamee arge. Deeme fudhates, bakka ilma isaa Yisaaqitti aarsaa gubamuu godhee dhiyeesse. Kanaaf Abrihaam **lafa sana Waaqayyo ni qopheessa jedhe mogaaasse. Haamma yeroo kanaatti "gaara Waaqayyootti Waaqayyo ni qopheesa" nijadhama.**

- Aarsaan Abrihaam rooga sadii niqaba:

  1. Rooga Seena, maaltu ta'e? 2.) rooga mallatoo, aarsaan maal agarsisa ,3) Rooga raaji,, Abrihaam , want ta'uf jiruu irratti maal dubbate, haal kaminis raawwatame isaan jedhani dhaa.

1.1. Seenaa ilaalchisee, amantaa Abrihaam qorudhaan ilma isaa Yisaaqiin ,haarki Waaqayyoo hoolaa qopheessuudhaan Yisaaqiin akka olche agarre ni jira. Kunis lafa Israa'el jadhamutti waggaa 4,000 dura akka ta'e ilaalle ture.

2.1.Seena Mallatto ilaalchise, hunddi keenya akka ilma Abrihaami turre. Waaqayyo abbaa haqaa waan ta'eef Yisaaqitti du'a muree ture. Garuu, garuu arjummaa isaatiin, hoolaa qopheesse isa baraare.Aarsaan Abrihaam dhiyeesse, karaan haqa Waaqayyo qopheesse, haanqinna hin qabne ta'u isaa nutty barsisa. Hoolaan sun gaanffi isaa qofaa saaxoo(saatoo) keessa qabame male gogaan isaa hin tuqamne ture. Oto tuqame ture aarsaa ta'u hindanda'u ture.

*Ibroota 10:1-4 Seerichi garuu gaadidduu wanta gaggaarii dhufuuf jiran sanaa ti malee , bifa dhugaa isa isaan ittiin muldhatan miti; inni karaa aarsaa waggaa waggaadhaan utuu gara gara hin citin dhiyeefatan sanaa warra dhi'aatan fixaan kan ba'an gochu matumaa hin dandeenye. Warri Waaqayyoof sagadan yeroo hundumaaf akka ta'utti al tokkicha dhuguma cubbuu isaanitti utuu qulleeffamaniiru ta'ee cubbuun yaada garaa isaanitti waan hin dhaga'amneef, aarsaa dhi'eessuun ni haafa ture miti ree? Amma garuu aarsaa waggaa waggaatti dhi'aataniin namoonni cubbuu isaanii ni yaadatu. Dhiigni kormaafi re'oota cubbuu namoota irraa fuudhuu matumaa hindandau.*

*Dubbiin Waaqayyoo hoolaan bakka ilma Abrihaamitti, du'e mallattoo ta'u, du'a goftaa yesus agarsisa jechuudha.Innis qulqull hirdhinna hin qabne Waan ta'eef namoota biyya lafaa hundumaa cubbuu isaani irraa ni olcha!*

*3.1. Rooga seenaa isa sadaffaa irra jiruu, rooga seenaa raajii wayita ilaalluu, yeroo gaara ol ba'an wanta haasa'aaturan ni yaadanna? "Waaqayyoo hoolaa aarsaa gubamuu ni qopheesa!" hoolaa aarsaa gubamuu eerga dhiyeessee booda wantaa dubate yaadataa? "Waaqayyoo ni qopheessa!"*

Abrihaam galata galchuu manna maaliif, erga hoolaa aarsaa gubamuu erga dhiyeesse boodde, dabalee, Waaqayyoo ni qopheessa jedhee laata? Abihaam, gara fula duraa , gaaruma sana irratti, aarsaan gubamuu inni caaluu akka dhiyaatuu waan argeef, hoolaan inni bakka Yisaaqii qalamee mallattoo isaa dhugaa ta'eef isaa fayisaa ilama namaa hundumaa goftaa yesusi ture.

Borumtaa Yonannis gara isaa wayita dhufuu argee " ilaa hoola waaqayyoo isa cubbuu biyya lafaa irraa fudhatu! Yohannis 1:29.

Nuyi cubbuu jalaa dune qajeelinaaf akka jiraannuuf inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ola ba'e. madaa'u isaatiin isaan ni fayifamtan. 1 phex2:24.

Gaara Waaqayyoo irratti Waaqayyo ofii isaa ni qopheessa! Seera uumama 22:8,14.

Aarsaa caalaan kee goftaa yesus ala tokko siif waan wareegame gammachuudha!

Akka Abrihaam amanttii dhaan dubbii Waaqayyo fudhadha!

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 23 FFAA

### EEsaawuu fi Yaaqobii

### Isa dabruufi isa bara baraa

### SEERA UUMAMA 25

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Sagantaa dabree keessa, waa'e aarsaa Abrihaam ( "Id al-Adha"), wangeelli akka armaan gaditti ibsa.

*Abrhaam yeroo ilaallamuuf qorametti, amantiidhaan Yisaqin aarsaadhaaf dhi'eesse, isuma deeddeebi'ee abdii argate sanatus ilma isaa isa tokicha aarsaa dhi'eessuuf qophaa'e. Ilmi*

*isaas, isa "Yishaqiin sanyiin siif ni lakkaaama, jedhamee itti dubbatamee turee dha.Waaqayyo warra du'an keessaa iyyuu nama kaasuu akka danda'u, Abrhaam yaada irra kaa'atee ture; ammasa fakkeenya kanaatiin ilma isaa warra du'an keessaa deebisee akka argateetti ni lakkaa'ama. Ibroota 11:17-19.*

- ♣ *Waa'ee sanyii isaa utuu hin laaliin dura, wanta Waaqayyoo Abrhaamitti dubattee ni ilaalla:*

*Waaqayyo yommus Abraamiin, " sanyiin kee biyya kan isaanii hin ta'in keessatti gala ta'uuf,achittis garbummaatti hojjechudhaaf,waggaa dhibba afur cunqurfamuuf akka jiran dhugaa isaa beeki.Garuu saba isaan hojataniif sanatti adaba nan fida, booddees qabeenya guddaa fudhatanii achii ni ba'u. Seera uumama 15:13-14.*

*Kana jechuun, baroota 4000 fi biyya Misiritti akka gurguraman,, broonni kun yommuu raawwataman, bilisa akka ba'an dubate.*

- ♣ Walumaa galatti Abrhaam waggaa 175 erga jjiraate boodde qabeenya isaa Yisaqiif keenne Aboota isaatti dabalame; ilmaan isaa Yisaqaqii fi Ismaa'el, lafa Makpeellah naannoo Maamireetti, iddoo Saaraan awaalamteetti.Seera uumama 25:5-7-10.

Abrihaam iddoo haawwataa tureetti iddoo argamuu Waaqayyo isa jaallatu fi sa beekutti gale.Yaa kana cunfudhaaf ; gaafilee lamaan haa kaafnu, Abrihaam gara biyya iraa maaliif godaane laata? dubbiin qabatamaa kanaa, saba addaa isa fayisaan biyya lafa keessaa ba'uu waan keessaa ba'uuf ure.Gaaffiin inni lammmaffaa immoo, Waaqayyoo maaliif Abrihaamiin akka qulqulluutti lakkaa'ee maaliif fudhateeni… Abrihaam Waaqatti amanee akka qulqulluummaatis lakaa'ameefi? Deebiin kanaa immoo, hammam ulfaatu illee Abrihaam dubbii Waaqayyoo amanee ajajame gara Waaqayyoo ba'i jedheetti deeme.

*Abrihaam Waaqayyootti Amane, kunis akka haqatti lakkaa'ameefi, innis jaala Waaqayyo jedhame.Ameen! Yaaqob 2:23.*

- ♣ Boqoonnaa 25 irratti, ilmaan Abrihaam Yisaaqii fi Ismaa'eli ni ilaalla. Lakk. 19 Kuni tore dhaloota Abrihaami dha, Abrihaam Abbaa Yisaaqi ta'e, Yisaaqiis wayitaa Ribiiqaa kan

Baatu'el irraa dhalatte fudhutti, uumriin saa 40 ture. Yisaaqiis maqaa isin maseena taateef afaan haadha warraa isaatiin kadhate, Waaqayyoos kadhannaa isaa dhagahee, isheenis ni ulfofte. Lakkuu waan ulfofteef garaa shee keessa wal dhidhiiban ture, isheenis garaa ishee keessa, kun maali laata ?jedhaa yaadaa turte.Waaqa gaaffachuufis ni kakaateWaaqayoos akkana jedheeni, garaa kee keessa saba lamatu jiraa, isaanis, ofii irraa gara gara ba'an, inni tokko isa kaani caalaa jabaa ni ta'a, **haangaftichi cinnaa jala ni bula.**

- ♣ Yeroon da'umsa ishee ga'utti garaa ishee keessa lakuu tu ture. Inni jalqaba ba'e diimaafi qaamni isaa refeensaan guttamee ture, kanaaf Esaaw jedhame, inni lammaffaan immoo koome Esaaw qabee waan ba'eef Yaaqob jedhame mogaafame.Yeroo Rebikaan ilma isa haangafaa deettee,Isaaq umriin isaa 60 ture. Ilmaan sun guddatanis tokko adamsaa ogeessa wayita ta'u Essawuu immoo tasgabaa'a isa dunkaana keessa ta'u ni ture. Yisaaqii fi Esaawuun lakkuu haa ta'an malee wal hin fakaatan ture. Esaawuu wantoota biyya lafaa irra wayita xiyyeefatuu ,Yisaaqiimoo wantoota Waaqayyoo isaan bara baraaf jiraatanitti hidhamee ture. Esaawuu kakuu Waaqayyoo Abrihaamiif galee, isa saba haaraa fayisaan biyya lafaa hundumaa keesaa ba'uf dhimma hin qabuu ture, garuu Yisaaq, kakuu Waaqayyoo tiif baayyee baayyee godhee iddoo keenaafi ture.
- ♣ Akka Seeraatti Haangafa waan ta'eef dhaalaa kan ta'u qabuu Esaawuu ture, kakuu isaa Waaqayyoo Abrihaamitti dubatee jechuudha; Gama biraatiin immoo, otoo lakkuun ssaneen hin dhalatiinin dura haangafni isa xinnaa jala buluu Waaqayyoo Rebiqaatti dubbatee ture,(Seera uumama 25:23)
- ♣ Garuu waaqa hundumaa danda'u waan hundumaa isaaf keenuf human qabeessa ta'ee obsaan egu qaba ture! Haa t'uu malee Yaaqob obsaan Waaqa itti dubbatee hin egne ture.

Gaafa tokko utuu Yaaqoob nyaata tolfatuutti jiruu,, Esaawuun alaa dhufee ol gale; isas uruuriin dha'een ture, Esaawuun yommuus Yaaqoobin " amma uruuriin nana dh'eeraa, yaata diimaa sana akkan nyaadhuuf anaaf keenn!" jedhe; kanaafis maqaan isaa "Edoom" jedhame , Edoom jechuun dimticha jechuudha. Yaaqoob immoo ati dura angafummaa kee naaf gurguri kaa!" jedheeni. Esaawuunis " anoo amma du'uu ga'e angafummaan kun anaaf maal naaf godha ree? Jedheen. Yaaqoob immoo dura anaaf kakadhu! Jedhe. Innis ni kakateef ;akkasitti anfafummaa isaa Yaaqoobitti ni gurgure. Dafees Yaaqoob budeenaafi ittoo misiraa sana Esaawuuf ni keenne;

innis ni nyaatee, dhuge, ka'ees karaa isaa irra ni bu'e; Essaawuun akkasitti angafummaa isaa ni tufate. Seera uumama 25 :24.

(Genesis 25) 29*Once when Jacob was cooking some stew, Esau came in from the open country, famished.* 30*He said to Jacob, "Quick, let me have some of that red stew! I'm famished!"...* 31*Jacob replied, "First sell me your birthright."* 32*"Look, I am about to die," Esau said.* ***"What good is the birthright to me?"*** 33*But Jacob said, "Swear to me first." So he swore an oath to him, selling his birthright to Jacob.* 34*Then Jacob gave Esau some bread and some lentil stew. He ate and drank, and then got up and left. So Esau despised his birthright.*
*Seera uumama 25:29-34.*

- Esaawuu angafuummaa isaa salphisee akkuma nyaata yeroo tokko, ciree yookiin dhiyana yerootoof jedhe salpise gurgure.Ebba bara baraa fi badhaadhummaa bara baraa nyaata tokkoon jijiire.
- Kana irraa Waaqayyo maal nuf barsisa? Faana Esaawuu akka hin baaneetti nu akeekachisa!

  *Namni niyya lafaa gutumatti yoo bufate, lubbuu isaa garuu yoo dhabe bu'aan isaa maali ree? Maat 16:26.*

  *Isin keessa namni tokko illee ayyaana Waaqayyo akka hin dhabne "wantti akka hidda haadha'aa" isin gidduutti biqilee rakkina akka hin kaafne,baa'eenis ittiin akka hin turoofneef eeggadha!Namni tokkoolee Esaawuu isa angafummaa isaa nyaata tokkotti gurguuree,nama haalalummaatti jiraatu yookiis nama wanta qulqulla'aadhaan mormuu hin ta'in! Ibroota 12:15-16.*

- *Dhugumaan ati eebba ni barbaaddaa? Egaa faana Esaa in ba'in!Eebba Waaqayyoo si keenuuf qpheesse hin salphisin, hin diqeesinis.*

*Maal sitti fakaata eeba kanaaf badhaafamuuf barbaaddaa? Dubbii Waaqayyoo dhaga'i!*

*Namni akka gorsa warra jal'ootaatti hin deeddeebine, karaa cubamooonni irra adeeman iraa kna hin dhaabanne,*

*Warra ga'isanii wajiinis tarree kan hin teeny gammachuu qaba! Qooda kanaa isa gamadu kanatti seerri Waaqayyo ni tola. Innoo halkanii fi guyyaa waa'ee seera Waaqayyo ni yaada! Inni muka isa bishaan yaa'aa qarqaraa dhaabamee, yeroo yeroo isaatti ija keennuu baalli isaa gogee hin haarcaane ti, wantti inni hojjatuu hundinuus wal ni qixaataaf.4 warri jal'oonni garuu akkana miti.Isaan akka qola midhaan bubbee dhaan fudhatamuu ti.5 Egaa warri jal'oonni firdii duratti hin jabaatan; cubamoonnis walga'ii qajeeltoota keessa hin dhaabbatan.6 Waaqayyo karaa qajeelootaa duukaa bu'ee ni beeka, karaan jal'ootaaa garuu gara badisaatti ni geessa. Faar 1:1-6.*

Barnoota itti anuu seenaa Yaaqoobi itti fufnee ilaalla kan haadhaa asi irrati golabna! Eebifamaa, milkaa'a Waaqayyoo fula isaa isin irratti haa ibsu!

Fellow listeners, this is where we must stop today. Next time, in the will of God, we will continue in the Torah with

**KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 24 ARFAFFAA**

**YAAQOOB ISRAA'EL TA'E!**

**SEERA UUMAMA 28-32**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Burnota darban keessa ilmaan lakkuu isaan Yisaaqiin argatee Essawuuf Yaaqoobi agarre ilaallee ture. Esaawuun kakuu Waaqayyo akaakayyuu Abraam wajjiin raawwat ni tuffate, ittoodhaanis angafuummaa isaa hi jijirre! Garuu Yaaqoob kakuu Waaqayyoof iddoo guddaa keenne ture. Haata'u malee Yaaqab hin dogoogoorre jechuu miti. Akkuma maqaan isaa nutty himuutti Yaaqoob jechuun haxxe ykn mooksaa jechudha! Kitaaba toraa keessa **Waaqayyo akkamitti Yaaqabiin isa mooksaa yookiin isa haxxee ture sana nama Waaqayyo godhe jirijire ni ilaalla.**

- Yaaqob dhugumaan haxxee ture; xaari qaxxa mura isaa yaaqoob angafummaa Esaawuu obooleessa isaa argachuudhaa deemuu ni ilaalla! Tarkaanfi hamaa isaa kunis obooleessi isaa ariidhaan isatti ka'ee akka ajesuuf isa kakkaaseen.Haati isaani Ribiqaanis hangga ariin obooleessa isaa Esaawuu qabanaa'utti dhoksaan gara wasila isaa Laabaa baqatuu gorsiteen turtte.

Macaafni Qulquluun akka jedha:

*Yaaqoob biyya Beershaabaa dhisee gara biyya haaraani goodaane;(Haaraan immoo Waaqayyo otoo isa hinwaaniniin dura lafa jiraate ture.), Hamma tokko erga imalee boodde, lafti waan dhitteef, yaaqoob dhagaa tokko fudhachuudhaan booraafate,achitti, cise.Haalkan sanas, abjuu isa keessa utubaa riqaa lafarraa ka'e ol Waaqa irra ga'uu arge. Isa irrattis ergamoonni Waaqayyo wayita ol ba'is akkasumas gadi ba'anis ni agarge. Gara irraa isaatis, Waaqayyo yommuu isatti, ani Waaqa abooti keeti ,Abrhaam fi Yaaqoobii dhaa jedhee itti dubbate. Lafa irra cifte kana si fi sanyii keetiif keenneera jedheen.* ***Sanyiin kees akka biyyoo lafaatti ni baayyatu, gara bitaa, garaa, gara ba'a fi lixa biftuu ni babaldhatu, sabnii biyya lafaa hundinuus sababi keetiinii fi sanyii keetiin ni eeebifamuu.*** *Anis si lafa dhaqaxee hundumaa wajjiinan jiraa, namgahaanis biyya kanatti ni deebita!****Wanta sitti hemee hundda hamma raawwadhuutti si hindhisu.*** *Yaaqbbo irribaa wayita dhamaqu, "dhugumaan Waaqayyo lafa kanatti ni argama ani garuu dhugumaan hin barre ture" jedhe. " Innis sodaate akkana jedhe iddoon kun diinqii dha! Jedhe.Kuni mana Waaqayyo malee maal tu'uu danda'aa! Kun balabala samiidha! Jedhe. Yaaqoob barii ka'ee, dhaqaa booraafate cisee sana fudhee akka sodduutti lafa irratti ol dhaabee, dhadhaa irra gadii naqe. Lafa sanas Beeteel jedhe moogaase( Beeteel jechuun immoo "mana Waaqayyo" jechudha). Seera uumama 28:10-18.*

- Waaqayyo abjuutti itti muldhate, waanuma akaakayyuu isaa **Abrhaamitti** fi abbaa isaa **Yaaqaoobiif** sanyii isaani saba guddaa godhuuf kakatee sana deebisee kakateef. Angafuummaa obooleessa isaa irraa hate sana Waaqayyo gara dhummaatti isaaf keenne. **Yaaqoob mirga angafuummaadhaaf ga'aa hin turre, agaruu guddiinna araara isaa**

**irraa kan ka'eefi arjummaa isaatiin, namoota wayii hin baafneef Waaqayyo waan guddaa isaa keenaaf.**

- Yaaqoob abjuu isaatti maal argee? Macaaf qulqulluun, riqaa ykn, yaabbannoo, guddaa lafa irraa kaa'ee ol waaqa ga'uuf ergamoonni Waaqayyo isa irratti ol ba'ani gadii bu'an ni arge. Riqaan ykn yaabbanoon sun, isa hin baratamne ture baayee dheera ture. Iddoo argamuu Waaqayyo ni ga'a ture!
- Karra yaabbanoo yookiin riqaa sanaa, isa waajiin jaalala tolchuudhaaf Waaqayyo Yaaqobiitti barsisuuf barbaade. Kana malees fayiisaan dhufuuf jiruu akka riqaa sanaa jidduu ardiifi samii akka ta'ee isa barsisuuf ture. **Jiduu gala ilmaan namaa fi uumaa ta'uu isaa agrsisuudhaani fi ture**.
- Hamma yeroo ammaatti namoonni riqqaa ykn yaabbanoo dhunffaa isaanittiin fi dalagaa isaanitiin mootummaa Waaqayyo seenuuf ni yaalu. Garuu Waaqayyo riqaan sun tokko akka , Riqaa ykn yaabbanno kana immoo nama otoo hin ta'iin qopheessaan Waaqa akka ta'e ni ilaalla.Nuti imaan Adaami dalagaa keenyaan Waaqa bira sirumma ga'u hin danddeenyu. Hagam hanqiinna haaqabaannu malee, Waaqayyo arjummaa isaatiin biyyi laafaa akka hin badnee karaa qopheesseef.

  Waaqayyo tokkoodha, namaafi Waaqayyoo jidduu imoo araarsoon tokko ,innis nama ta'ee kan dhufee uufi isaa arsaa cubbuu godhee kan kana saba hundumaaf keenneKristoos goftaa keenya! Namni isatti amame jireenya bara baraa argata malee hin baduu(1ximo 2:5-6, Yon 3:16).

- labaa Me Yaaqoob erga mana abeeraa isaa ga'e wanta ta'e ni ilaalla. Namni waanuma facaase sana hammata(gala 6:7). Yaqoob obooleessa isaa akkmitti sobee angafuummaa isaa fudhatee argine turre. Amma immoo Abeeraan isaa akka godhe isa sobee ni ilaalla. Maqaan abeera isaa ture innis haxxe ture.

*Ji'a tokko erga jiraate boodde, abeeraan isaa Laabaan, yaaqoobiin akkana jedhe, nuti foon tokko waan taaneef bilaasha naaf hojjachuu hin qabduu, me binddaa kee natti hin? jedhe gaaffateen. Laabaani ilmaan dubara lama qaba ture, isheen guddoo Leeyaa jedhamti, ijjii ishee hin bareedu ture, isheen xinnaa imoo Raaheeli jedhamti, isheen immoo ni bareeddii turrti.Kanoof Yaaqoob, Raaheeliin jaallate, ishee argachuudhaaf, waggaalee 7 abeeraa isaatiif*

*nan hojjadhaa jedhe. "Bayeessa nama gara biyaatiif keennu manna si kennuut naaf waayya, ana wajjiinis turi," jedheen. Yaaqoob, Raaheeliin argachuudhaaf waqqa 7 abeeraa isaaf hojjate, ishee waan jaallateef, baroonni sun akkuma guyyoota muraasa itti fakate ture.Yaaqoob, Laabaatti yeroon kiyya waan ga'eef, amma haadha warraa kiyya naaf keenni jedheen. Laabaanis namoota naannoo hundhumaa waame cidha guuddaa qopheesse. Yommuu lafti dhitu, Laabaan, Leeyaa fidee Yaaqoobitti keenne, innis ishee wajjiin cisse. Yommuu bari'utti, isheen Leeyaa turte,Yaaqoob, laabaatti wani gote kun maal inni? Ani sababiin waaggaa 7 si tajaajilee Raaheeliin argachuuf ture, maaliif na sobde?Laabaanis guddoon otoo jirtuu maan'aa gurguruun seera fi heera waan hin taneef, torbaan misiroo kana raawwadhuuti, jijirraa isheetiifis wagoota hojii torbaatiin siif keeniina.Yaaqobia akkana godhe. Yaaqoob, torbaan sana Leeyaa wajjiin arga dabarfatee boodde, Laabaan, Raaheeli Yaaqoobiif keenna, innis Leeyaa caalaa ishee jaallate.Kanaaf Leehaafi waggaa torbaa dabalee hojjate. Uumama 29:14-30.*

- Laabaan akkam godhe ilama obooleetti isaa akka sobe agarre turre.Wantoonni Yaaqoob irra raawwatan hunddii ba'eessa yoo hin taan ille. Wantoonni sunneen argaa Waaqayyoon ala hin turre.Waaqayyo isaan kana hundumaa gara waan gaari isa Yaaqoobiif sa'anitti jijiireef. Yaaqobis abbaa ilmaan 12 ta'e. Mana wasila isaa waggaalee 20 jiraatee,baroota sana keessatti,Waaqayyo jaalala isaaiin, jireessa ulfaataa sana keessa akka dabaruu cal'iseeni,kunis inni manta isaa akka cimsuufi akkuma warqeen abidaan baqsamee qulqulaa'utti isa qajeelchuuf ture.
- Waaqayyo Yaaqoobitti muldhate: "lafa itti dhalatte gara biyya abbaa keetti deebi'I, anis si wajjiin nan ta'a!" (seera uumama 31:3).Yaaqoob, Yaaqoob,meeshaa isaa qarqabee, inni fi maatiin isaa imalan.Gara lafa Kaanaani isa Waaqayyo Abrhaamiif, Yaaqoobiif, Yisaaqiif fi sanyii isaanitiif kakteetti qajeelani adeeman.Otoo Yaaqoob maati isaa waajiin gara Kanaanitti adeemaa jiruu karaatii itti muldhatee, maqaa isaa jijiiree, seera uumama, 32

*Yaaqoob kophaa isaa haafee, namichi tokko hamma bari'utti isa wajjiin wal'aansoo qabe.Namichis Yaaqoobiin akka hin dandeenyye yommuu arge, walga'ii luka isaa jabeesse ni qabe;yaaqoobis amma iyyuu namicha wal'aansoo qabutti utuu jiruu luqqeettuun isaa iddoodhaa kaate. Namichis nama deemaa nadhisii jedheeni , Yaaqoobis deebise, "yoo na eebifte malee ,ani gad si hin dhiisuu" jedhe. Namichis maqaan kee eenyu?" jedhee isa gaafate; innis*

*deebisee maqaan koo Yaaqoob jedhama" jedhe.lakk.28, sababi namaafi Waaqa waajjiin waldhaansoo qabdee waan moo'ateef,.si achi maqaan kee Israa'el jedhama malee Yaaqoob hin jedhamu.Lakk. 29.Yaaqoobis deebisee, maaloo maqaan kee natty himi, jedhe isa gaaffate,Namichis "maaliif nagaafate?" jedheni, ergasi achitti isa eebiseen.Yaaqoobis iddoo sana Pheeli'el jedhe mogaase,(pheeni'el jechuu "fula Waaqayyo" jechudha), kunis "Waan fulatti Waaqayyoo argeetiifi lubbuun koo waan fayyee haafeefi." Jedhe. Seera uumama 32:24-30.*

- Waaqayyo maaliif Yaaqoob wajjiin waldhaansoo qabate? Yaaqoob dadhabbii isaa akka beekuuf,akkasumas, ogummaaniifi jabiinni dhugaan waaqa irraa qofa akka ta'e barsisuuf ture.**Eebbii isa dhugaa ta'e kan argamuu, isaan dandeentti isaaniin Waaqa bira ga'uu isaan amananiif dha**.Yaaqoob jechuun haxxee jedha, Israa'el jechuun immoo isa "Waaqyyo wajjiin motoomuu" jechuudha!Israa'el immoo maqa isa saba haaraa Abrhaamiif, Yisaaqiif fi Yaaqoobiif keennuudhaaf kakateedha. Fayisaan biyya lafaa immoo kan ba'u saba kana keesaa ture jechuudha.
- Namni tokko Waaqayyo maaliif Yaaqoob isamaltee ta'ee filatee jedhe gaaffachuu danda'a? dubbiin Waaqayyo maal jedha,

  *Waaqayyoo garuu namoota ogeesoota salfachisuuf waan biyya lafaa gowwaatti lakka'u fo'ate;Waaqayyo warra jaboo saalfachisuuf,waan biyya lafaa dadhabaatti lakaa'u fo'ate.Waaqayyo wanta jira jedhamu lafatti dabaluudhaaf, wanta jira hinjedhamne,wanta biyya lafaatti gad deebi'aatti lakaa'amuu fi wanta tuffatamaa fo'ate…. Waaqayyo kristoosiin ogummaa Kenya nuuf godhe.Isumaan qajeeloota taanee, Waaqayyoof qulqulloofne ni furamna.(1qor 1:27-29)*

*Karaa hafuuraatti hiyyeesoota ta'an haagamadan, mootummaan Waaqayyo kan isaaniti. Maat 5:3.*

*Waaqayyo garuu amma iyyuu tola isaa isinitti argisisuudhaaf isin eegaa jira;isiniif oo'uudhaafis ka'eera;Waaqayyo goftaan Waaqayyo isa firdiin isaa qajeelaa waan ta'eef warri sa eegatn haa gammadan! Isaa 30:18.Waaqayyo isin haa eebisuu, milakaa'aa abbaan burqaa hundumma fula dura keessan aba'u! barnoota itti anuun walgarra!*

## KUTAA TOKKOOFFA BARUMSA 25 FFAA

## SALPHINNA YOSEEF

## SEERA UUMAMA 37-39

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota dabree keessa waa'ee Yaaqoobi, akkasumas, maqaan isaa akka jijirame, Yaaqoob jechuun gowoomsaa jechuu akka ta'e, Israa'el jechuun immoo isa Waaqayyo wajjiin mootoomuu jechuu akka ta'e, maqaan Israa'el jedhu immoo maqaa isa saba haaraa fayisaan biyya lafa keessa ka'u akka ture baranne turre.

- Yaaqoob ilmaan 12 akka qbuu yaadattaa laata? maqaan isaanis, Roobel, Sim'oon, Leewi, Yihuudaa, Zaabiloon, Yisaakoori, Daan,Gaad, Aseeri, Naftaaleemi, Yoseef fi Biiniiyaam jedhaman. Haardha seenaa hawwataa ilmaan Yaaqoobi ni ilaalla, irrattu immoo ,waa'ee Yoseefi isa elma 11 ffaa ture ilaalla jechuudha.

Seera uumama 37:2-35 keessa Waa'ee eenyummeessa, Yaaqoobi,Yooseef nama umriin isaa 17 ture, obooleeyyan isaa wajjiin loon tiksa ture. Yooseef immoo abbaa isaatiif waa'ee oboolaa isaa oduu gadisiisaa dhageesisee.Sababi bara dulumaatti isa waan argateef Ilmaan isaa kuwwaniin caal Israa'el Yeseefiin jaallata ture. Wayyaa callee mi'aa ta'een hojjatamee hodhisisaaf ture. **Abbaan isaani isaan hundumaa caalaa isa akka jaallatu waan arganiif, jibbaniin, isa wajjiinis afaan tokkoollee hin hasa'an ture.** Lakk.5. Guyyaa tokkoo Yoseef abjuu abjoote, yeroo isaanitti himuu, caalchisani isa jibban.Kunoo nuyi maasii gidduudhaa bissii hin hiina turre; kunoo bisiin koo ka'ee ol qajeelee dhaabate, bisiin keessan immoo isatti naana'anii bisii kootiif ni sagaguuf turan, jedhe. Oboolonni isaas deebisani, ati dhuguma mootii nu irratti taataa?yookiis dhuguma aboo nu irratti qabaataa? Jedhaniin; akkasitti waa'ee abjuu isaatiif, waa'ee dubbii isaatiifis ittuma caalchisanii isa ni jibban. 9 Ammas abjuu gara biraa abju'atee obbooloota isaatti himee, kunoo, ani abjuu kan biraa tokkos abju'adhe, biftuun,ji'i, Urjoonni

kodha tokkos anaaf utuu sagadan argeera jedhe. Yeroo inni abbaa isaatiifi obbooloota isaatiif himetti abbaan isaa isa looleeni, abjuuni ati abju'atte kun maal inni? Dhuguma ani haati kee abbooloonni kees dhufani hamma lafa ga'anitti siif sagaduuf jirani ree? Jedhe.Kana irratti obbooloonni isaa isatti ni inaafatan.Abbaan isaa garuu dubbicha yaadatti ni qabate.Ergassii obbooloonni Yooseef, loon tikaaf gara biyya Sheekeemitti godaanan. Israa'el yommuus Yoseefiin "Sheekem lafa obbooloonni kee loon tiksanitti sin ergaa kottu" jedhe.Innis immoo deebisee " kunoo ani asan jira!" ittiin jedhe. Abbaan isaas "Amma dhaqii obbooloonni kee fi loowwan nagaatti akka jiran ilaalii, hafuura naaf fidi!" jedheeni; akkasitti dacha kebroon keessaa isa erge,innis gara Sheekem dhufe.Innis raasaa keessa afii fi achi utuu dadhabuu,namichi tokko isa argee," ati maal barbaaddaa? Jedheen.Yoseef immoo "Ani obbooloota koon nana barbaada,hadaraa lafa isaan loowwan tiksan natti him!"jedheen.Namichi deebisee,Isaan Dootaan dhaqna utuu waliin jedhanii dhaga'eera,kanaaf ,asii adeemaniiru" jedheen;**Yoseef obbooloota isaa faana dha'ee,Dootaanitti isaan arge.Isaan immoo faggootti isa arganni, utuu isa bira hin ga'in isa balleessuudhaaf sadaa turan.Isaan walii isaanitiin kunoo abbaan abjuu sun dhufeera,kottaa amma isa ajjeefnee, boollota kana keessaa** tokkootto, gadii ni darbannaa,,bineensa hamaatu isa nyaate ni jenna,mee abjuun isaa lamaan waan ta'uuf jiran ni ilaalla! Jedhan. Ruubeen Yommuu kana dhaga'utti haarkka isaani isa balleessuu dhaaf turan jalaa isa olche. "Lubbuu isaa balleessuu hin balleessina", dhiga ta'ee iyyuu hin dhangalaasinaa, boolla gammoojjii kana keessa isa darbbaa malee, haarka keesan isa irra hin drirsinaa jedhe.Ruubeen kana waan jedheef, haarka isaani jalaa olchee gara abbaa isaa deebisuuf ture.Lakk.23 Yoseef yeroo isaanitti kalaa'utti ,wayaa isaa isaan calleedhaan midhagan mulqani, gara boolla bishaan barbaacha digaman tokko keessa isa gad darbaniin.Bolitti sunis duwwaa ture, bisaanis hin qabu ture. Yeroo dhiyanaaf taa'anitti, daldalttoonni Ismaa'eloonni biyya Karavaani faggooti biyya Gili'aaddi yeroo dhufan ni argan. Gaallii isaani immoo, urgooftuu, haphee dibataafi qumbbii fee'ani turan.lakka 26 kana booddee Yihudaan obbooloota isaatiin " nuyi obbooleessa Kenya ajjeefne dhiiga isaa dhoksuun bu'aa maali qabaa? Kottaa nuyi waarra Ismaali kanatti isa ni gurgurra!Inni obbooleessa Kenya foon keenya waan ta'eef,harka keenyaan isa irratti waan tokko ille hin hojjnuu! Jedhe.Obboolooni isaas isa ni dhaga'an. Warrii Ismaa'el daldaltoonni Miidiyaan dhufani ni darbu turan; **obbooloonni isaa Yoseefiin ol haarkisanii bolicha keessaa baasanii,meetii ija digdamaan warra Ismaa'elitti gurguran;isaan immoo Yoseefiin biyya Gibxitti ni geessan.**Lakka.29 Yommuu Robeeliin gara

boollichaatti yeroo deebi'u, Yoseefiin dhabe,na'ees wayaa ufii isa uffate isaas tarsaase. Gara obboolota isaa deebii'e akkana isaaniin jedhe " mucaan achi hin jiruu, ani amma eessa dhaqu ree?" jedhe. Ergasi isaan korpheessa ree'ee tokko qalanii, uffata Yoseefii fudhani dhiigicha keessa cuuphan. Kana boodde qoloo harka qabu sana fuudhanii gara abbbaa isaanitti erganii, " kana argiineera, mee ilaali, kun uffata ila keeti it imoo miti?"Jedhaniin. Innis isa ni bare.Kun uffata ilama kootii ,bineensa haamaatu isa nyaate., yooseef dhuguma gara gara kukkutame"! jedhe.yaaqoob uffata isaa uff irratti tarsaasee, uffata gaddaa uffata gaddaa mudhii isaa irra hidhatee, ilma isaaf guyyaa baay'ee gadde.Ilmaan isaa fi intaloonni isaa hundinuu isa jajabeessuudhaaf ni dhufan,inni garuu jajabaachu ni dide.Innis hin ta'u akkuma gaddeen, iddoo lafa jalaatti gara ilmakooti gad nan bu'a jedhe;akkasitti abbaan isaa Yooseefiif ni boo'e.

- ❖ Seera uumama 39:1 Yoseef biyya Gibxitti geeffame.Hoojjetoota mooti Gibxii warra gurguudoota keessaa phooxifaar ajajaan eegdootaa,namni biyya Gibxii sun , warra Ismaa'el gara Gibxii isa fiidhan irraa Yooseefiin ni bitan. Waaqayyo garuu Yooseef wajjiin waan tureef waanti inni hojjatuu milkaa'eef ture. Innis mana gooftichaa isaa mana Gibxii sana keessa ture.Gooftichis akka Waaqayyo isa wajjiin tureef, milkaa'inna keenneef argeetti ,Yooseef haara gooftaa isaa argatee,itti dhi'aatee isaafis hojjatee, gooftichi immoo qabeenya isaa akka inni ilaaluuf yooseefiif dabarsee keenne.Haadha warraa isaatiin ala qabenya hundumaa irra itti gaaffatamaa isa godhe. Maqaa Yoseefi irraan kan ka'ee mana namicha gibxi sana eebise.
- ❖ Lakk. 6-7. Qoramuu Yooseef, dhaaba nit ola,ija namaattis ni miidhaga ture.Haati manaa goftiichaa ija ishee Yooseef irra bufatee,anaa wajjiin ciisii jetteen. Ilaalch isaa baayyee ol ka'aa waan tureef, wanta Waaqayyo isaaf hojjatee fi gooftich Gibxi isaaf hojjate wal bira ilaadhaan ani cubbuu akkanaa hin dalaguu jedhe isheedhaaf deebise.Lakka.9**… Cubbuudhaanis akkamitti Waaqayyoon yakka ree?** Jedhe. Isheen guyyuuma guyyaatti Yooseefitti Yoo dubbattee iyyuu, inni ishee wajjiin ciisuudhaaf yookiis ishee bira ga'uu dhaaf, ishee dhaga'uu dhaaf hin barbaanne.
- ❖ Uumama 39:11, Gaafa tokko Yooseef hojii isaa hojjachuudhaaf manatti yeroo ola galuu namoonni achi keessaa warri kaan tokkoo illeemana hin turre. Haati manaa gofftichaas ,wayaa Yooseef qabtee, anaa waajjiin cisii jette wagdeeni. Inni garuu wayaa isaa haarka ishee irra dhisee fiigee miiliqe. Isheenis, kunoo namichi Ibroota nutti haa taphatuuf abaan

manaa koo fide anatti godhe ilaala.Inni ana wajjiin cisuudhaaf ol galee ,ani immoo sagalee koo ol guddisee nana iyye; innis ani sagalee koo ol guddisee iyyuu koo argee wayyaa isaa haarka koo irra dhisee baqate manaa a'e jatte.

- Isheenis wayita gooftichi dhufuu dubbii dharaa qiqiindeesite hundda gooftichatti himtee, gooftichis aree boba'e Yooseefiin fudhe gara mana hidhaatti galcheeni.Lakk.21. Mana hidhaa keesattis Waaqayyo Yooseef wajjii ture.Bulchaan mana seeraas, waan hundummaa haarka Yooseefiti keenne,waan tokkoon illaa hin yaada'uu ture, Kunis **Waaqayyo waan Yooseef wajjiin ture fi hojii isaa hundumaan milkaa'ina waan keenneef ture.**
- Yooseef karaa haqa jaallachuudhaan karaa dabaa jibbe.Cubbuudhaan bashananuu manna, mana hidhaatti rakkachuu filate.Waaqayyo tajaaliluunii fi cubbuu tajaajiluun wal bira akka hin deemnee hubate ture.Cubbuu akkanaa Waaqayyo irratti akkamiin hojjadha ree? Amantaan Waaqa irra qabuu dhifama cubbuu argamsiiseef.Kana malees, Yooseef fayisaan biyya lafaa dhufee du'u dhaan sanyii adaam akka fayisuu ni yaadata ture.**Waqayyo Yooseef wajiin jiraate, Yooseefis,immoo Waaqayyo wajjiin jiraate.**

***Waaqayyoofi horiidhaaf hojjachuu hin danddeettan. Maat 6:24.***

***Waaqayyo ifa dha, dukkanni sa wajjiin tokkummaa hin qbu.1yoh 1:5-6.***

***Qajeelinniif I jal'inni maal walitti qabuu.2qor 6;14.***

Seera mootichaan kennamme akka caaffanni qulqullaa'aan " nama akka ufii kee jaalladhu!"jedhuutti raawwattan ba'eessa gochuu keessan." ″(Yaaq. 2:8.

***Waaqayyo ifa dha, dukkanni sa wajjiin tokkummaa hin qbu.1yoh 1:5-6.***

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 26 FFAA

## GUDDINNA YOOSEEF

## SEERA UUMAA 40-42

Michoota dhaggeeffattoota keeyya  maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa  arjummaa isaatiin qopheessee  ilmaan namaa  dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen   nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota dabree keessa Waa'e ilma Yaaqoob Yooseef ilma 11 ffaa ilaallee turre.Abjuusaa guyyaa tokko oboolleeyyan isaa isaaf sagadan argees ilaallee turre.Haata'u malee oboolloonni isaa itti hin amanne turan.Haardha immoo, Waaqayyo obooleyyan Yooseef isaaf akka sagadan godhuudhaan **abjuun isaa akka raawwatamuu akka godhe ni ilaalla.**

Abjuu isaa irraan kan ka'ee obooleeyyan isaa akka jibaniin baranne turre.Ariifi hinaaffaa isaani irraan kan ka'e daldaltoota Ismaa'elootaaf gurguraniniin.Daldaltoonni Ismaa'eloota immoo biyya Gibxi isa geessani,hogganaa mootummaa Gibxi Farii'oonni  keessa  tokkta'etti  isa gurguraniniini ture. Yooseef Waan **Waaqa  wajjiin deemuuf**, hojataa manamaafi cimaa ture.Yooseef midhagaafi hojaan isaa tolaa waan tureef, haatiif warraa gooftichi ittiin qortamtee isa wajjiinis akka cisuu baayyee itti dadhabde.Yooseefis, cubbuu akkanaa dalaguudhaan, Waaqa irratti cubbuu akkamitti hojjadha? jedhe dide. Kana Waan dideef dubartiin sun waa'ee Yooseef hamaa dubbachuudhaan akka hidhamuu taasifte.Cubbuudhaan yeroo muraasa bashananuu manna mana hidhaa keessa darbamuu fiilate. **Yooseef jireenya isaa keessa Waaqayyoon sooreesse godhe.**

Waaqayyo haala Yooseef jiriire.Seera uumama 41:1 waggaa lama Yooseef mana seeraa eerga ture boodde, mootiin Gibxi  Farii'ooniin abjuu  abjootee: qarqar laga Abbayyaa dhaabbatee ture; kunoo saawwan cululuqoo fi gabbattoonni torba laga Abbayyaa keessaa ol ba'ani  jajjaba keessa ni dheedu turan.Ammas kunoo saawwan kan biraa jibisiisoonnii fi huqqattoonni  orba isaan booddeedhaan laga Abbaayyaa keessaa ol ba'anii,saawwan warra duraa qarqara lagichaa dhaabbatan.Saawwan warri jibisisooniifi huqqattooni sun warra cululuqoofi  gabbattoo turban sana ni liqimsan;kana booddee mootiin Gibxi hirriibaa ni damaqe.Mootiin Gibxii ammas deebi'ee rafee, lammaffaa abjuu abju'ate;kunoo *mataan midhaani tora iji isaa gugguute, tolees soma tokko irratti  gudatee ture. Isaan booddeedhaan immoo kunoo mataan miidhaaniiiji* isaa xooxoree qilleensi ba'a biftuu gude torba ol ba'an. Mataan miidhaanii warra xootaranwaarra

gugguutuu gurguddaa turban sana ni liqimsan; mootiin gibxis ni damaqe; kunis abju ture.Yommuus bari'es mootiin Gibxii Yaadni isa isaas waan raafameef, warra ayyaana heeddaniifi beektoota Gibxii ofiitti waamsisee abjuu isaa isaanitti ni hime; garuu isaan keessaa namni abjuu sana hiikuu danda'e hin turre.

Lakk 9 Yommuus egaduun warra dhugaati dhi'eessan mootichaan, " Ani balleessaa koo har'a nan yaadadhe;ala tokko ati dheekamtee anaafi egduu warra buddeena tolchanii sana , egdoota mana hidhaatti kenitee nu hisiftee turte. Nuyi haknuuma tokkicha abjuu abju'anne; inni abjuu hiikaa adda addaa qabu mata mataatti abju'anne.12 achi Ibrichi dargaggeessi garbichi ajajjuu warra eegdootaa tokko nu bira ture;abjuu keenya yeroo isatti himnne inni adduma addaan akkuma abjuu keenyaatti hiikaa isaa nuuf kenne;13 akkuma inni abjuu keenya nuuf hike ta'e,,ani lafa hojii kootti nan deebi'e,eegduun warra buddeenaa tolchanii immoo ni rarraafame" jedhe.

Lakka. 14 Kanaaf Faarii'oon mootichi Gibixii eergee Yooseefiin waamsise; isaanboollaa mana hidhaa sana keessaa ariifachisanii isa fidan;inni haaddatee,hufata isaas erga jijiiratee, gara mooti Gibxiitti ni dhi'aate. Mootiin Gibxii Yommuus Yooseefiin , "Ani abjuu abjuu'adheen ture garuu namni tokkoo illee anaaf hiikuu hin dandeenyee ;sti garuu yoo abjuu sitti himan hiikuu ni gandeetta jechuu nana dhaga'e." yooseef deebisee mootii Gibxiin "**Waaqayyoo tu deebii nagaa isa siif ta'u kenna malee, ana miti"** jedhe.

Farii'oon Yooseefiif seenessuu jalqabe, Ergasi Yooseef…lakk.24 "kana hundumaa warra moortootaaf himee isaan keessa tokko ille hikuu hin danddeenne" jedhe. Lakka 25 abjuun Farii'ooni tokkoof tokko , Waaqayyo waan gara fula duraa dalaguuf yaadee Farii'ooniif ibsee, saawwan midhagaa torba baroota torba agarsisuu, gurra boqqoolaa torba immoo akkasumsa barota torba. Isaanis abjuu tokkoo fi wal fakkaatan. Saawwan jibisisoon torba gara booddee dhufan , baroota torba fi akkasumsa gurra booqolla torba wayii hin baafnee qilleensa ba'a biftu tiin gogee immoo baroota beelaa torba dha.

Lakk 28.Kunis akkuma ani Fari'oonitti himeedha: Waaqayyo wanta raawwachuuf barbaadee Fari'ooniti himeera. **Barooni badhaadhuummaa torba** biyya Gibxiitti dhufaa jiran.Haat'u malee **baroota beelaa torba** immoo isaanitti fufani ni dhufan.Ergasi baroonni badhaadhuummaa

torba sun hirraanfatamani, baroonni bilaa sun immoo biyyatti ni liqimsan.Haammeenna beelaa irraan kan ka'ee baroonni badhaadhuummaa ni hirraafatu. Abjuuleen haala lamaatiin Farii'oonitti himameef, dhimmee Waaqayyo irraa waan murtaa'eef ture; innis hatantamaan inni raawwatama.

Amma Farii'oon nama beekaa fi ogeessa ta'ee barbaachuu jalqabu fi biyya Gibxii irratti ogganu tu isa irra jiraata.Egaa Farii'oon hoggantoota biyyatti irra kaa'ee waggaa shanaffaa irraa jalqabee badhaadhuummaa biyyatti irraa walitti haqabu.Isaanis nyaata baroota miidhagaa sana walitti haqaban,midhaanis bulchinsa Farii'oon jala gotaraa keessa magaaloota keessas haakuusan. Miidhaan sunis baroota beelaa torba biyya Gibxitti dhufuuf jiraniif haa keewwataman,haala kanaan biyyiti Gibxii balaa xannee irraa olfaman" jechudha jedhe.

Lakka 41 Mootiin Gibxii immoo Yoseefiin " Kunoo ani guutummaa biyya Gibxii irratti aboo siif keenneera"jedhe.42 Kana boodde mootiin Gibxii amartii mallattoo isaa harka isaati baasee , haarka Yooseefitti nikaa'e;ufatta quncee talbaa ba'eessa irraa hojatames itti ni uffinse;dirata warqeesmorma isaatti kaa'eef.Konkolaataa isa kan isaatti aanu irras isa teesise'warri fula isaa duraa labsanis " Gad jedhaa, qoomma'aa!" ni jedhu turan; mootichi akkasitti Yoseefin guutummaa biyya Gibxii irra kaa'ee, aboos kenneef.

Ergasi Farii'oon Yoseefitti "ani Farii'ooni dha, eeyyama keen ala namni tokk illee haarka isaa yookiin miilla isaa biyya Gibxitti kana irratti kaa'uu hin danda'u. 45 "Farii'oon Yoseefiif maqaa **Zaafeneezi-Paaneeh** jedhe moggaasee, hiikaan isaa immoo,**olchaa lubbuu** jechuudha". Achi Yoseef biyya Gibxii keesa hunduu naanna'e. Yeroo Yoseef Mootummaa Gibxii keessa seenetti umriin isaa 30 ture.Yoseefis argamuu Farii'ooni duraa ba'ee gutuummaa biyya Gibxii keessa imale.Baroota badhaadhummaa torba sna keessa biyyattiin akkamalee omishte.Yoseefis miidhaan biyyattiin bara badhaadhumma torba sana keessa kenite gotaraa dhaan magaaloota hundummaa keessa kufate. Yoseef miidhaan hedduu akka Cirracha bishaani walitti qabee,

Lakk 53 Baroonni badhaadhumma dhuman, baroonni belaas akkuma Yoseef dubbatetti jalqabaman, biyyoota hunduumaa keessa beelli yoo jiraatu, Gibxii keessa garuu beellii hin turre.Yomuu Biyyoon Gibxii beela'anitti namoonni Farii'oonitti miidhaaniif iyyuu jajqaban. Ergasi Farii'oon haawaasa Gibxiif "gara Yoseef dhaqaa ti wanta inni isinitti himuu godha!"

Wayita bellii biyyattitti babaldhatutti Yoseefiin gotaraa magaaloota keessa jiran banatee, belli haammaataa waan tureef haawaasa Gibxiifi gurguruu jalqabe.Lakk 57 Akka adduunyaatti belli hamaa waan tureef biyyoota hundumaa irraa namoonni gara Gibxii dhufani midhaan ni bitan ture.

Seera uumama 42:1 Yaaqoob abbaan Yoseef Gibixiitti miidhaan akka jiruu dhagaheetti ,ilmaan isaati, isin maaliif wal ilaalaa asitti belaan dhumtan? Innis ittifufe “Gibxiitti miidhaan akka jiruu dhagaheera, deemaati hamma tokko nuf bitaa akkanaanis du’a irraa ollee lubbuudhaan ni jiraanna” isaaniin jedhe. Lakk .3 **isaan kudhan ilmaan Yoseef miidhaan bitudhaaf gara Gibxii imalan**.Haata’u malee hamaan isa irratti ni ga’a jedhe waan shakkeef Yaaqoob isaan wajjiin Biniyaamiin hin eerginee ture.Ilmaan Israa’elis isaan balaa belaatiif miidhaan bittaaf gara Gibxii imalan keessaa turan jechudha.

Seera uumama 42:6 amma Yoseef bulchaa biyyatii fi isa miidhaan saba hundumaaf gurguruu ture.Wayita **obooleeyyan Yoseef achi ga’anitti fula isaanitiin gad gombifamani sagadaniif.** Akkuma Yoseef isaan argeetti isaan beeke,garuu akka keesummaa ta’anitti fakkeesuudhaan isaanitti aridhaan dubbate. “Essaa dhuftan?” jedhe isaan gaaffate. Isaanis “miidhaan bittaaf” biyya “kana’aani dhufne” jedhan debisan.inni isaan haa beeku malee isaan isa hin beekne turan.**Ergasi innis abjuu waa’ee isaani abju’ate yaadate.**

Waaqayyo maaliif seenaa Yoseefii fi obooleeyyan isaa irraa nubarsisuuf barbaadee laata? Waaqayyo nuf yaadachuuf kan barbaade, fakkeenya godhe isa jidduu fayyisaa biyya laatii fi sanyi Adaami jidduu wanta ta’uuf jiruu nu barsisuuf ture.Yoseef **gaadisa** isa fayisa biyya lafaatti Waaqayyo ergee ture.Seenaa Yoseef keessa mudata 100 akka gaadisa ta’ani fayisa gara biyya lafaa waggaalee 800 dura dhufee agarsisan. Isaan hundumaa seenesuun yeroo baayye gaaffata, garuu isaan keessa sadan ni ilaalla:

1.Jala qabatti obooleeyyan angafaa abjuu Yoseef akka dide agarree turre. Isa jiban, arabsan, akkasumas gurguranini.Namooni biyya lafaa haaluma walfakkaatuun fayisaa biyya lafaa , arabaniini, barsisa isaa fudhachuu didan,akkasumas, gurguraniini, kana malees fannoo irratti fanisaniin turan.

2.Jalqabatti namoonni Yoseefiin, tuffataniin, dagataniin, dhibbaa itti fidan booda irratti ni gurgraniini. Guyyaa Waaqayyootti , Yoseef mooti Gibxii tiin filatame, hoganaa olaanaa biyya Gibxii ta'ee, namni balaa beelaa irraa baraaramuuf barbaaduu hunddii " gara Yoseef olchaa lubbuutti haadgaquu". Haaluma wal fakkaatuun , fayisaa Waaqayyo biyya lafaa akka fayisuu ergees, Waaqayyo akkana jedhe, " gara fayisaa ani **mudee** deemaa!" inni fayisaa lubbuu ti; inni burqaa jireennaati! Ati jireenna kee isaaf yoo keenitee, keeesi kee hin beela'u, lubbuun kees bara baraan ni jiraatti.

3.Waliin madaalli Yoseefii fi fayisaan ulfaataa dha.Garuu dhuma irratti Yoseefi if oboolaan isaa anggooYoseefii fi bitaman.Kanaan ala carraa gara biraa hin qaban ture, nama ganani turan duratti gad uf qaban.Akkasumas, fayisaa biyya lafaa namoonni jibani, isa dhaga'u didan turan, guyyaa tokko garuu, dhallii ilma namaa isaaf gad jedhuun isaa ,dubbiin nuti diidnee dhugaa ture jechuun isaan hin hafu.

Niti hardha ufii keenya goftaatti keeniineera? Inni karaa Waaqayyo ilmaan namaa fayisuudhaaf qopheesse, jaalallii Waaqayyoos karaa ibsameedha!

Ammas dubbuun raajonni dubbatan kun caalchisee nuuf cime;isinis amma boruun baqaquutti ,bakkalchi garaa keessan keessa ibsus hamma ba'utti ,dubbi kana ibsaa iddoo dukkanaatti ibsuutti yaadaan duuka yoo buutan gaarii gochuu keessan.( 2 phex 1:19)

**KUTAA TOKKOFFAA BARUMSA 27 FFAA**

**YOSEEF: SEENAAN ISAA ITTI FUFEE JIRUU**

**SEERA UUMAMA 42-50**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Sagantaalee lamaan dabran keessa waa'ee Yoseef ilma Yaaqoob ilaalle turre. Haardha immoo seenaa isaa itti fufee jiruu ilaalla, kanaanis barnoota kutaa tokkooffaa kana xummuurra

jechuudha. Macaaf seera uumamaa keessa Waaqayyo kakuu Abrhaamiif galee akka raatee agarree turre.Yoseef daa'imuummaa isaatti obooleeyyan isaa isaaf akka sagadan  abjuu abju'ate ,innis raawwatame.Isaan hammeenaan gara biyya Gibxiitti gurguraniini ,garuu Waaqayyo gocha sana qajeelchudhaan, isaan baraaruudhaaf itti gargaarame. Yoseefis biyya alagaatti angoo sadarkaa olaanaatti mudamee, hibboo Fari'oonni hike. Inni isaaniin haa beeku malee isaan isa hin beekne turan.

Haardha kan ilaalluu, **Yoseef akkamitti obbooleeyyan isaatiif uf  ibseedha**. Yoseef dafee ufi isaa hin muldhisne, kana waan godheef,onneen  hammeennaa isaani sun kan jijiiramee yoo kaan kan hin jijiiramnee ta'u isaa ilaaluudhaaf isaan qorudhaaf ture.

Akkuma Yoseef isaan argeetti  isaan beeke,garuu akka keesummaa ta'anitti fakkeesuudhaan isaanitti aridhaan dubbate. "Essaa dhuftan?" jedhe isaan gaaffate. Isaanis "miidhaan bittaaf" biyya "kana'aani dhufne"  jedhan debisan.inni  isaan haa beeku malee isaan isa hin beekne turan. Seera uumama 42:7

- Yoseef gaaffiilee baayyee isaaniin gaaffatee,isin basaastuudhaa jedhe isaan mana hiidhaa geesse.Guyyaa sadii booddee,nama tokko achitti dhiisani ,deebi'an damani obooleessa isaani Biiniyaami  akka fiidhan godhe.
- Ji'oota baayyee boodde, miidhaan bituudhaaf obooleessa isaani fudhani gara Gibxii deeman; Yoseef  bulchaa biyyatti wajjiin  wal argan, ammayyuu isa hin beenne turan. Yoseef mana isaatti iddoo akkamalee isaan sodaachiseetti isaan geese. Qophii guddaa godhee akkuma tarree umrii isaani ta'an cidhas godhatan.

. Biiniiyaam nyaata harka shan, fudhatee, Yoseefis obbooleeyyan isaa Biiniiyaam irratti kan hinaaffan yookiin kan hin hinaafiin arguuf yaalee, garuu isaan keessa nmnii tokkoollee Yoseef irra hin hinaafiinee turan. Cidha booddee Yoseef garbicha isaa ajajee meeshaa miidhaan qaban keess miidhaan akka gutan ajajee,  garuu  qalqalloo Biniiyaami keessa shini meeti irraa hojjatamee akka dhoksan hojjattootatti hime. Erga isaan sokkan booddee , hojataa mana mootummaa tokkoo ergee, " isin maaliif  wanta mishaali hamaa beebiftan?"  qodaa goftaan kiyya ittiin dhuguu hin fudhanne? Jedhe   jedhe isaan gaaffate.  Nuti hin fudhanne. Nu keessaa namnu fudhate yoo argame haa ajjeeffamuu ,funddi keenyas garboota keessanis ni taana jedhan.

Hojataan mootummaas deebise. “ namni qogaan isa haarka argamee garbicha koo nita’a isin garuu nagahaan biyya keessan nideebituu isaaniin”  jedhe.

Hojataan mamootummaa Gibxis  Qodaa Yoseef ittiin dhuguu  angafa irraa jalqabee mucaa quxisuuttibarbaacha jalqabee, kubbaayyaan meeti irraa hojjatamtee miidhaan  biiniiyaam keessa argamte.Obolaan  angagaa wayaa uffatan uf irratti tarsaasani, gara magaalattis deebi’an, fula Yoseef duratti lafa irratti gombiifamani sagadan. “Yoseefis isaaniin kana maaliif dalagdan? Ana gowwoomsu  akka dandeettan ni yaaddu?, Yihudaan ilmi arfaffaa Yaaqoob akkana jedhe deebiseefi “ akkamitti of bilisoomsuu dandeenyaa? Waaqayyo gogoora keenyyaa fi jall’inna keenya  ifa baaseera! Hundiikenya, isa isa kubbaayya meeti irraa hojjatamee hate wajjiin garboota keeti.”

- Yoseef deebisee, lakki nama kubbaayyaan haarka isaa keessa argamee qofaatuu garba koo ni ta’a. Garuu isin hunddii keessan gara abbaa keessani ni deebituu isaaniin jedhe.Ergassi Yihudaan Yoseefitti siqee, Biiniiyam Yoo Gibxiitti haafe,balaan hamaa Yaaqoobiin qonnamuu ibseefi . Yihudaan bakka Biiniiyaamitti garba akka tauu barbaaduufi ,Biiniiyam immoo gara abbaa isaa akka deebi’uu Yoseefiin wage. Yommuu cubbuun isaan asin dura hojjatan akka isaan dhukunsee argeetti, akkasumas, o’a abbaa isaanii fi oboleessa isaaniif qaban hubateetti, **Yoseef obolaan isaa qalbii akka jijiirratan beeke.Akkasumas yeroon itti uf ibsu akka kalaa’e hubate.**

  **Kitaabnii akkana jedha:**

- Seera uumama 45:1 Yommus Yoseef  warra isa bira dhaabatan hundumaa duratti of qabu hin dandeenyee; kanaaf  gudisee namoota hundumaa naa baasaa! Jedhe. Yroo Yoseef obolaa isaatiif of mul’iseetti  eennuu illee isa wajjiin hin turre.Hamma  warrii gibxii  fi Farii’oon itti beekanitti gudiisee bo’e.Yoseefis, obolaa isaatti, “ **ani Yoseefi dha**! Abbaan koo hamma ammaatti lubbuudhaan jiraa/ jedhe isaan ggaaffate. Fula dura isaa waan qana’ani salfataniif, waan tokk illee isaaf hin deebisne.
- Itti anee Yoseef “kottaa anatti kalaa’a”. Yommuu isaan isatti kalaa’an, “ **ani oboleessa kee yoseef isa Gibxiitti  nagurgurtani dha!** isaniin jedhe. Ana  gurguruu keessaniin hin dhama’inaa hin sodaatiinaas; **lubbuu olchuudhaaf  jedhe Waaqayyo isiniin dursee**

**nana erge.**Waggaa lamaaf biyyatti keessa beela tu ture, ammas waggaalee 5 qonnii hin jiiruu miidhaan galchunis hin jiru. Isiniin dursee Waaqayyo walbuummaa guddaadhaan lubbuu olchuufi isiniif sanyii hambisuudhaaf jedhe na erge.**8 Kanaaf garana kan na eerge isin oto hin ta'in Waaqayyo dha.Waaqayyo abbaa Farii'oon, gooftaa maati Farii'ooniifi lammii Gibxii hundumaa na godhe.Dafaa deemaatiin abbaa keessaniif, Waaqayyo biyya Gibxii hundummaa na godhe.** Hin turiin dafii gara koottu. Ati, ilmaan keetii fi ilmaan ilmaan keeti, akkasumas wanta qabduu hundumaa wajjiin nanoo Gosheem anatti dhiiyaatte jiraata.Bella waggaa shaniif turuf iddoo isiiniif nan mijeessa.Yoo kaan maatiin keessani fi wanni qabdan hunddii ni miidhama.

- Akumma Farii'oon isaaniif imale eyyameef jedhutti,obolaaan Yoseef gara abbaa isaani deebi'uuf qophaa'an, Yoseef geejiba isaaniif qopheesse.
- Lakk 25 , Kanaaf isaan biyya Gibxii irraa ba'ani gara Yaaqoob biyya kana'anitti deebi'an.Isaanis Yaaqoobitti, Yoseef lubbuudhaan ni jiraa! Dhugumaan mooti Gibxii ta'eera. Innis na'ee waan tokko illee hin dubbanne. Isaaniin amanuu hin danddeenye.Waan Yoseef dubatee hundumaa fi geejiiba isaaf qopheesse ,keessi isaa dadamaqee. Israa'el (Yaaqoob) "amma amaneera, Yoseef ilmii koo lubbuudhaan ni jira! Oto ani hin du'iniin dura dhaqee ni laalaani." Jedhe.
- Itti anuudhaaf Yaaqoob maati isaa wajjiin akkamitti biyya Kanaanii irraa gara Gibxiitti godaane ni ilaalla: Yaaqoob aarsaa arsee Waaqayyoos itti dubbate akkanas jedheni uumama 46:3-4.

*"Ani Waaqa abooti keeti. Hinsodaatiin gara biyya Gibxii deemi. Achitti ani saba guddaa sinan godha.Anis si wajjiin gara Gibxitti nan deema,dhugumaan nagahaan lammaffaa si deebisa. Harkkii Yoseef ija kee walitti siif qaba" jedhe.* uumama 46:3-4.

- *Imala dheeraa booda Yaaqoobiifi maatiin isaa biyya Gibxii ga'an. Erga baroota baa'ee booda ilma isaa jaalatmaa arguun Yaaqoobiif attam gamachisaadha! Gibxii lafa Gesheemi jedhamutti quphatan. Guddatan saba guddaa ta'an, Yaaqoob waggaa 70 jiraate, walumaa galatti waggaa 147 jiraate. Sabni Gibxii guyyaa 70 bo'aniif. Ilmaan isaas Kana'aanitti iddoo awwala Abrhaamitti isa awwaalan.*

Seera uumamaa 50 :15 irratti, obolaan Yoseefi akkana jedhan, amma abbaan keenya Yaaqoob du'eera, Yoseef cubbuu hojjanneef gadoo yoo nuf ba;ee maal jenna jedhani yaaduu jalqaban. Yommuu Yoseef kana dhaga'utti hin sodaatiinaa. **Ani bakka Waaqayyo dhaabbadheera? Isin ana miidhuudhaaf yaaddan, Waaqayyo garuu gara waan tolaatti waan sana jijiire**.

- Kitaabni toraa, seenaa uumamaan jalqabee, seenaa du'aatiin xumuura.

  *Beenyaan nama cubbuu hojjate du'a. keenaan Waaqayyo inni Yesus Kristos goftaa kenyaa wajjiin tola keennamu garuu jireenya bara baraati. Rooma 6:23.*

*Waaqayyo gooftaan Israa'el kan galateeffamuudha,saba isaa furuuf dhufe. Fayisaa anggoo qabeessa nuf kaase, lataa garbicha isaa Daawit keessaa afaan ulqulloota raajoota isaatiin dubbachaa akka ture! (Luqaa 1:69-70).*

*Garuu lafa irra- daddarbuun baay'atetti immoo ayyaanni Waaqayyoo caalaatti baay'ate. Rooma 5:20.*

## *KUTAA TOKKOOFFAA MARUMSA 28*

## *KEEDDEEBII KITAABA JALQABAA TORAAH*

## *SEERA UUMAMA 1- BA'U 1*

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Haangga ammaatti Kitaaba toraa qo'ataa jirra. Barreeffama raajootaa keessa

Toraan kitaaba jalqabaa ta'e kitaabilee shananitti qodama.Inni jalqabaa Seera uumama jedhama barnoota dabran keessa isaan hundda ilaallee turre.Har'a wayita isa itti anu kitaaba ba'u ni ilaalla.Kitaabni kun seenaa dinqisisaa Waaqayyo ilmaan Israa'el garbummaa Gibxii keessaa baasuudhaaf dalagee seenessa**.**

- Oto Kitaaba ba'u odo hin ilaaliniin dura, Kitaaba jalqabaa haa ilaallu. Kitaabni seera uumama bu'ura, kitaabileen hunddi kanaaf isati fufani jiran jechudha. Jalqabatti isa jedhu ni yaadattaa?Wantti hundiinuu oto hinjiraatiin dura, tokko tu ture, innis Waaqa. Itti anee, ergamoota miliyoonaan lakka'aman dubbii isaatiini fi human isaatiin akkamitti akka uume ilaallee turre.Isaanis isaa akka tajaalilaniifi isa galateeffatan uume.Isaan keessa inni tokko Lusifeer jedhama, innis hoganaa isaani ture, Lusiifeer jechuun immoo calalaqaa jechuudha.Lusiifeerinii fi ergamoonni isaa gad darbataman, garuu teessoo isaa iraa Waaqayyoon eennuu illee hin sochosuu. Waaqayyoos maqaa Lusiifeeri jijiree **seexana** jedheni. Erga isaan argamuu isaaduraa ari'ee boodde, lafa jaannamma jedhamuu, lafa dhiphinnaa isaaf qopheesse.
- Itti ansuudhaan, addunyaa namoota uumuuf karoorfateef akka uume ni argina. Fakkaatti Waaqayyootti Waan uumameef namni baayye barbaachisaadha. Waaqayyo nama wajjiin hariiroo yookiin fiiroomina cimaa barbaada.Kanaaf lubbuu namaa keessa, **sammuu** akka Waaqa isaa beeku, **onne yookiin mira** akka
- Ergasi immoo, Adaamiifi haadha warraa isaa haawwaa qore. Mukeeli hundumaa irraa ni nyaatuu,garuu isa miishaafi badaa adda baasan akka beekan isa godhuu irraa hinnyaatiina!guyyaa nyaatanitti dhugumaan ni dutan.
- Isaan garuu Waaqa dhisani seexana dhagahan. Seexannis isaan sobuf jedhe ,dhugaa xiqoo soba guddaa walmakee isaaniin sobe. Hin dutan jedhe, garuu, du'a jechuun ,Waaqa irraa gara gara ba'udha.
- Kanaaf,abbootiin keenya Adaamii fi Haawwaan, karaa haqa dhisani karaa dukkanaa fiilatan.Cubbuun karaa nama tokko biyya lafaa seene, duni immoo karaa cubbuu dhufe,hala kanaanis, duni, namoota hundumaa ga'e.Rooma 5:12. Maqaa isaanitiin hunddii keenya ilmaan du'aa turre, garuu arjummaa isaatiin Waaqayyo karaa fayinaa nuf qopheesse.
- Balaan cubbuun fide, Adaamii fi Haawwaan Jeennata keessaa akka ari'aman tasise.Isaaniin odoo hin arii'iniin dura, Waaqayyo **fayisaa** addabbii human cubbuu iraa fi human seexanaa irraa baraaruu akka erguu labse. Fayyisaan Waaqayyo ilma namaa fayisuudhaaf ergamuu isa cubbuu Addaamidhaan hin boroofneedha.

- Waaqayyoos loon ajjeesse gogaa sana irraa Adaamii fi Haawwaaf wayaa qopheesse. **Kunis gatiin cubbuu du'a akka ta'e ni agarsisa, akkasumas, dhiigni odoo hin dhangala'in dhiifamni cubbuu hin jiruu**.
- Kanatti fufe, Ilmaan Adaamii fi Haawwaa  Qyinii fi Abeli ilaalle.Abeel Waaqayyoof aarsaa hoolaa hirdhiinna hinqabnee akka dhiyeese, sunis fayisaa biyya lafaa qulqulluagarsisa.Qayin immoo, karaa isaatiin Waaqayyootti dhiiyatuuf barbaade, waan inni omishee fudhe dhaqe. Kitaabni Qulqulluun waa'ee kanaa, akkana jedha, Waaqayyo aarsaa Abeeli fudhate, kan Qaayin garuu hin fudhanne. Waaqayyo maaliif aarsaa Qayini fudhachuu didee? **Maalii fi  kitaabni qulqulluun gatiin cubbuu dalagaa gaarii yookiin miishaadha hin** jedhu.
- Dhalkoonni Adaam baa'een  karaa Qaayini filatan, bara Nohi garuu kitaanbi Qulqulluun Waaqayyo "hammeenni namaa akkamitti akka guddate, yaadni isaanis **yeroo** hundummaa jal'aa akka ta'ee argee jedha.Isaaniin balaa irraa olchuudhaaf barkaa ijaaraa wayita jedhuu, Nohi qofaatuu amane.
- Nohiin immoo ilmaan sadan ni qaba ture.Isaanis, Sheemi, Haami fi Yaafeeti turan. Raajaaan Abrhaam, Sheemi irraa argame. Waaqayyo Abrhaamiin saba addaafi guddaa godhuudhaaf waan yaadeef, mana abbaa isaa keessafi biyyaa issa dhisse akka ba'u himeeni. Maqaa isaatiin immoo  biyyi lafaa akka eebifamuu kakuu keenneef. (Seera uumama 12:2-3.)
- Dabalataanis, seenaa hawwataa ilmaan Yaaqoobi aggarre, Yaaqoob ilmaaf 12 qaba ture, inni 11 ffaan Yoseef jedhamaa Yoseef abjuu isaa olaantummaa obolaa isaa irra qabuu agarsisuu isaaniif waan himeef, oboolaan isaa isa jibban, gara biyya Gibxis isa gurguran; Waaqayyo garuu hammeenna sana gara qajeelinnaatti jijiree, biyya gibxiifi namoota bara balaa beelaa irraa baraare. Yeroo sana Israa'eloonni akkuma Waaqayyo Abrhaamitti dubbate, biyya Gibxii turan. Seera uumama 15:13-14. Sabni kee biyya isaani hin ta'initti keessummaa ta'ani nijiraatu, garbummaatti gurguraman, achitti isan ni rakisu.
- Ba'u 1:6 Yoseef oboolaan isaa fi dhalooni sun hunddi du'e. Garuu ilmaan Israa'el milkaa'ani, lakkoofsi isaani guddatee biyya Gibxiis gutan. Ergasi, mootiin gaarummaa Yoseef hin beeknee biyya Gibxiitti  ka'e. Innis akkana jedhe, egaa isaan kana caalaa akka hin guddanne gochuudhaaf kottaa haafachaalummaadhaan  isaan ni qabannaa; nana ach lolli yoo ka'e, diina keenya bira garani  nu lolani biyya keessaa nu baassan.

Isaanis Israa'eloota rakisuu, hojii isaanitti gudisuu itti fufan. Gamoo Pitom fi Raamse ijaaran, akkama isaan dhibuu dabalan, akkum sana lakkoofsi isaan dabale.

Lakka 15 deesiftoonni Gibxii akka yeroo dubartoota Ibrootaa deesisan ilmaan dhalatan akka ajjeesan himnaanis, Dubartoonni sunneen Waaqa Waan sodaataniif … akka mootiin Gibxii isaan ajajeetti hin gonne .Yeroo isaaniin gaaffatees, akkana jedhan… dubartoonni Ibrootaa akka bubartoota Gibxii miti isaan jireenya isaanitti jajjaboo dha. Deesiftoonni otoo isaan bira hin ga'iin da'ani nu egan. Jedhan isaaf deebisan.

*Lakk. 22 Kana irratti Forii'oon saba isaatiif, ajaja kanatti fufe jiruu dabarse, ilma dhiiraa dhalate hundumaa laga Abayaa keessa darba, garuu yoo intala taate lubbuudhaan hajiraattu.Seena kana keessaa nama tokko Waame akkam saba Israa'el akka olche barnoota itti anutti ilaalla.*

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUSA 29 FFAA

## RAAJAA MUSE

## BA'U 1,2

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Macaafa Toraah, Seera uumama, xummurree amma Kitaaba Ba'u barachuuf ni jirra.Waaqayyo kitaaba bu'ura ta'e kana akka hubannu gargaarsi isaa akka nuf baayyatu qadhachu qabna.

Sabni Israa'el amma biyya Gibxiitti jiraachuu jalaqabani jiru jechu dha.

- ✓ Ba'u 1:1 Ilmaan Israa'el kanneen Yaaqoob wajjiin gara Gibxii maati isaani wajjiin imalan maqaaan isaani kanatti fufe dha. Robeeli, Simeooni, Leewi fi Yihudaa; Yisaakoori, Zebulun fi Beeniiyaami,; 4 Daanii fi Naftaaleemi; Gad fi Aseeri turan. 5 Sanyiin Yaaqoob walumaa galatti lakkoofsi isaani 70 ture; Yoseef Garuu biyya Gibxii ture. Amma Yoseef fi oboolaan isaa hundda du'an, haa ta'u malee, **Israa'eloonni**

**milkaa'an akka malees baayy'atan** ,lakkoofsi isaanis baayyee ol ka'e kanaaf biyyiti isaaniin guttamatte.

- ✓ Lakka 8 Mootiin haaraa gaarummaa Yoseefi hin beknee biyya Gibxiitti gara anggootti dhufe. Saba isaatii fis, **"argaa!"** Sabni Israa'el nu irratti lakkoofsi isaani guddateera. Kootaa isaan irratti qaroo taanaa, akkana yoo godhuu dhisnee, isaan nu irraa caalaatti ni guddatu. Yoo waraanni ka'ee, isaan dinoota keennya wajjiin ni gurmaa'an, nu waraananis, kanaanis biyyatti dhisani ba'an.Kanaaf goftaa garnoota bulchuu isaan irra ramaduudhaan **humnaan isaaniin akka bulchuu** godhan, isaanis magaaloota pitoomi fi Raamsee magaaloota kufama meeshaa Farii'ooni turan ijaaran.12 Danuudhuma warri Gibxii gad isaan qaban keessaa, warri Israa'el immoo caalaa baay'atan,lafa guutan, kana irraa kan ka'ee warri Gibxii jabeessani isaan sodaatan.13 Warri Gibxii Israa'elootatti haamaatanii, akka garbaatt isaan hojjachiisan. 14 Suphee isaan kuchisiisuudhaan, xuuphii isaan tolchisisuudhaan, hojii garaa garaa lafa qonnaa keessaa hojjachisuudhaanis hojii isaanitti ulfaachisanii jireenya itti hadheessan; hojii kana hundumaa hojjachisuudhaan isaanitti ni haamaatan.

- ✓ Amma **Yoseef erga du'ee waggaa dhibbaa sadii dabree,**Farii'oon kan birra Gibxii bulchaa jira, Mootii isa gaarummaa Yoseef biyya Gibxiitiif hojjatee hinrraanffate.Farii'oon kunis, saba Israa'eliin akka malee dhiphisee, garbootas isaaniin godhe. Kana irraan kan ka'e Israa'eeloonni, Waaqayyo nun dagateera jedhan, isa abooti keenyaaf, saba guddaa isin godha jedhe sun karaatti haafee jedhani yaadu jala qaban.Garru Waaqayyo waan tokko ille hin irraanffanne ture! Waaqayyo bara fagoo dursee wanta isaaniif hojjatuu yaade karoorfatee ture.
- ✓ Dhugumaan Waaqayyo amanamaa dha! Kaku isaas ni eega!Yoo namni Waaqayyo ture haa jedhuu iyyuu inni isa kakatee sana ni raawwata. Isa yaada saba haara uuminsa kan karoorfate isa waan ta'eef kana immoo raawwachudhaaf tokko illee akeeka isa dura dhaabbachu danda'u hin jiru!
- ✓ Yoo yaadannuu taanaan, akeeka isaa sabba kaaraa isa fayyiisaan biyya lafaa keessaa ba'u dubbate, maati duluumaan qabataman filate, Abrhaam umrii isaa 100 Yisaaqiin dhalche,isaniis horani, yeroo gara biyya Gibxii godaananitti lakkoofsii isaani 70 ture; garuu amma waggaa dhiibba sadii booda baay'ee guddaa ta'ani haangga miiliiyoonaan

lakkaa'aman guddatan. Waaqayyo akkuma Abrihaamitti dubbatee, waan hunduma raawwate,! Inni amanamaa dha! Yaaga isaa hin jijiiruu, innis ulfiinni bara baraan kan isaaf ta'uudha!Ameen!

- ✓ Farii'oon,Ba'u 1:22 kana irratti mootichi saba isaa hundumaa abboomee,"ijoolleen dhiiraa warra Ibrootaa hundumaa akka dhalataniin bishaan abbaayyaa keessa busaa, ijoollee durbaa isaanii immoo jireenyatti hambisaa!" jedhe. Eenyuutuu Farii'ooniin dadhabbii isaatti gargaaramee isa geeggeessaa jiraa jettee yaadda? **Seexana** malee eennuu illee hin ta'u. Seexanni saba kana Farii'oonnitti gargaarame maaliif balleesuuf barbaadee laata? Inni Fafiisaan biyya lafaa hundummaa karaa saba haaraa kana akka dhufu waan beekeef akeeka Waaqayyoo balleesuuf ture; garuu Seexan caalaa Waaqayyo fagoo fagoo guddaadha! Isa saba Israa'el garbuummaa Gibxii jalaa baasuu, sabuma tuffatamee kana kaasuuf karoorfate. Namnii kunis Musee jedhama.

*Yeroon Museen dhalate abbaan isaa fi haati isaa mucichi akka nama gammachisu waan arganiif , amanttii dhaan ji'a sadii isa dhoksan; isaan ajaja mootichaa hin sadaanne. (Ibroota 11:23, Ba'u 6:20).*

*Dhalachuu Musee yommuu ilaalluu,ba'u 2:1 namni tokko maati Leewii ilma sadaffaa Yaaqoobii intala dubroota leewii keessaa ishee tokkoo fudhe. Isheenis isheenis ulfooftee mucaa dhiiraa deesse. Mucaan miidhagaa ta'u isaaa waan argiteef ji'a sadii dhoksiteen. Kana caalaa isa tursisuu akka hin danddeenyee wayita barteetti baalaan marattee guuboo keessa kaa'atte. Qarqara laga abbayyaa marga jajjabaa keessa keesseeni. Obooleetiin isaas fageennaan wanta isa irra ta'uu hordoofaa turte.5 Mucayyoon Farii'oon qaama ishee dhiiqachuudhaaf gara laga abbayyaa gargaartoota ishee wajjiin deemaa turte.Isheenis marga jajjaboo sana keessa guuboo ilaalte, garboota ishee keessaa keessa tokko ergudhaan akka fiidaniif ajajje.Ishees guuboo banttee wayita ilaalttu daa'ima agarte. Iniis ni bo'a ture, isheenis garaa laafteef. Akkana jette, kuni daa'ima Ibrootaa isa tokko dha jette.7 Achi immoo Maariiyaam obooleettiin daa'imaa Ibroota keessa dubarti tokko isiniif fiduu jette gaaffatte, Mucayyoon Farii'oonis eeyyee dhaqii fidii jette eeyyamteefi. Maariiyaam obboolettiin Musee dhaqxee haadha isaa*

*fiddeef. Mucayyoon Farii'oonis dubartii sanaan, daa'ima kana sirriitti naaf kununsi ani gati kee si fana keenna. Kanaaf dubartiin daa'ima sana fudhate kunsuu jalaqabdde.Mucaanis guddachaa adeeme,isheenis gara Farii'ooni mucaa geesitte,innis akka daa'ima ofiitti fudhatte;Maqaa isaas* **"bishaan keessaa waan argadheeni" Muse ni jadhama** jetteen**.**

- ✓ Daa'imman dhiiraa hunddii ajjeeffaman, Museen immoo, haadha isaa tiin kununffame, eegguumsa Fafii'oonni jala guddate.Mooti hamaa! Waaqayyo Muse akka guddisttuu mucayyoo mootichaa gara jabeenyyaa filate.Waaqayyo mani mootichaa Museedhaaf iddoo mijataa akka ta'e ni beeka ture.

  *Museen ogummaa warra Gibtii hundummaa barsifame; ofii isaatis dubbiittis hojiittis nama danda'aa ture. (HO.E 7:22)*

- ✓ Ba'u 2:11 Guyyaa tokko Museen erga guddate, gad ba'e saba isaa hojii attamitti isaanitti baayy'ate arge. Namni Gibxiis Ibroota wayita reebuu arge.Namni tokko illee isa akka hin arginee hubateetti, Nama Gibxii isana ajjeesse, cirracha keessa awwaale.Guyyaa lammafaatis deemee isaaniin wyita dowwatuu, Ibroonni lamaan watti bu'ani argee isa midhee sana, maaliifobooleessa kee mitaa ? jedhe gaaffateen.Nu irratti hogganaafi abbaa murti godhee enutuu si mude? Akka nama Gibxii ajjeesttee anna ille ajjeesuu barbaaddaa? Jedheen. Ergasi Museen sodaate, "wanti dalagee yoo beekamee maalan godhaa?" jedhe yaade. Farii'oon kana wayita dhaga'utti na ajjeesuudhaaf ni yaala jedhe. Moseenis Farii'ooni jalaa baqate biyya Miidiiyaani jiraachu jalaqabe.
- ✓ Museen dursee human isaatiin saba isaa walabeessuu yaale, garuu inni sun feedhii Waaqayyo hin turre.Inni meeshaa Waaqayyo ture. Walbuummaan Israa'el Waaqa irraa maleessaa Musee irraa miti.Museen Waaqayyoon ala waan tokkoo illee hojjachuu hin danda'u.

*Yesus itti fufee " waan baay'ee xinnoo irratti amanamaa kan ta'e, waan guddaa irrattis manamaa ni ta'a; waan baay'ee xinnoo irratti amanamaa kan hinta'in waan guddaa irrattis immoo amanamaa hin ta'u. Luq 16:10.*

*Museen lafa gammootti sana fudhee ilmaan lama godhate.Ba'u 2:23. Yeroo kana keessa Motich Gibxii du'e. Israa'eloonnis hammeenna garbummaa irraa kan ka'e mamani gara Waaqayyoos iyyan, iyya gargaarsaaf gara Waaqayyo iyyan Waaqayyo bira ga'e. Waaqayyos booyicha isaani dhagahee, kakuu ,Abrhaamiif, Yisaaqii fiYaaqoobiif keenne yaadate.* ***Waaqayyoos gara ilmaan Ibrootaa argee isaaniifis itti dhimme.***

*Waaqayyoon galateeffadhaa, maqaa iaa waammadhaa, gocha isaasa saba hundummaa keessa beeksisaa! Lakk. 2; inni kakuu isaa bara baraan dubbii abboommi isaas hamma dhaloota kumaatti ni yaadata.9 Kakuu abrhaamiif kakate, isa Yisaaqiif wareeges ni yaadata.*

*Waan nu caqastaniif galatoomaa! Manaa ala milkaa'a! Uumaan hundummaa fula isa isinitti haa ibsu.*

***KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 30 FFAA***

***MOSEEN WAAQAYYOON NI ARGE!***

***BA'UU 3, 4***

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Danudhuma warri Gibxii gad isaan qaban keessa, warri Israa'el immoo caalaa baay'atanii,lafa guutan, kana irraan kanaka'e warri Gibxii jabeessani isaan ni sodaatan.( Ba'uu 1:12).Mootiin Gibxii isaaniin garboomsan illee, hojii isaan irratti guddisan illee isaan guyyaa irraa gara guyyaatti jabaachaa adeemani. Dhuma irratti, mootich Gibxii, ilmii dhiraa Israa'eliif dhalatuu, laga Abbayyaatti akka darbaman ajaja baase.Waaqayyo Seexana caala waan hundumaa beekaa waan ta'eef, intala Farii'oon, Musee akka ilma isheetti gudisttuu ishee qopheesse, Museenis baajata Farii'ooniin guddatee saba israa'eli garbummaa jalaa baraare.

- Haardha Waaqayyo **haala akkamiin Museef of ibsee gara Farii'ooni ergeeni** saba Israa'el Gibxii keessaa baasee ni ilaalla.

- Ba’uu 3:1 Amma Museen hoorii soddaa isaa Yootoorii tiksaa ture.Hoorii sanas lafa fagoo gammoojjii Sinaa gaara Waaqayyootti boobaase ture.**Achittis ergammaan Waaqayyo abidda boba’u saaxoo keessa itti muldhate.**Museenis wayita saaxoon abidaan booba’a garuu akka hin gubanneetti arge. Museenis “saaxoon abiddaan boba’aa jira garuu hin gubatuu, waan kana ani dhaqee qajeelumaan nana laala” jedhe.

Waaqayyoo Museen arguudhaaf kalaa’uu isaa yommuu arggeetti saaxoo keessaa, “Musee! Musee! Jedhe waameen, Museenis “asan jiraa” jedhe, “ garana asi hin kalaa’iin” Waaqayyo jedheen. **Ardiin irra dhaabbattee qulqulluu** waan taateef kophee kee mila kee irraa mulqii jedheeni. 6 **Itti fufee Waaqayyo, “ ani Waaqa abbooti keeti ti, Waaqa Abrhaam, Waaqa Yisaaqi fi Waaqa Yaaqoobi ti.”** Kana irratti Gara Waaqayyo ilaaluu waan sodaateef Museen fula isaa haagugee.Waaqayyo, dhugummaan dhiphiinna saba koo Gibxiitti argeera. Iyya isaani warra isaan dhiphisan irraa kan ka’e isa iyyan argeera, waa’ee rakkoo isaaniifisa damaqeera.Haarka Gibxoota keessaa Isaan olchuudhaafi gara lafa gaarummaa fi lafa baldhaa, ananiifi damma baasuutti mana saba kana’aani isaan galchuudhaaf gadi bu’eera.Bo’ichi Israa’eloota nabira ga’eera; Gibxoonnis akkamitti isaan akka cunqursaa turan argeera. 10 kanaaf amma, saba koo Gibxii keessaa baasudhaaf ani sigara Farii’oon si ergeeraa deemi.

- *Ba’uu 3: 11“Ani gara Farii’ooni deeme saba Israa’el Gibxii keessa baasuudhaaf ani eenyu?”Waaqayyoos ani si wajjiin jira.Ani akkan si ergee kun siif milikiita ni ta’a:Yommuu ati sabakoo baaftutti gaara kana irratti Waaqa sagaddu. Museenis,Ani gara Israa’eloota haadeemuu , Waaqni Waabbooti keessani na’eergeera isaaniin haajedhuu,isaanis nagaafatan, maqaan isaa ennuu? Naan jedhan, ani ennu jedhee isaniif deebisa?14 Waaqayyo Museedhaaf, “* ***ani isa jiraata dha****”.Kuni isa Israa’elootaaf himtuudha. Jiraataan gara keessan na’eerge!Akkasumas Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe, “Israa’elootaaf akkana jedhii, Waaqa abbooti keessani, Waaqa Abrhaam, Waaqa Yisaaqi fi Waaqa Yaaqoobiin gara keessan na erge! ‘****Kunis bara baraan maqaa kooti’****!”*
- *Want Waaqayyo gaara sinaa Saaxoo eessaa Museetti dubbatee irra waa’ee amala Waaqayyo yoo xinaatee wanttoota arfan ni ilaalla.*

1. Waaqayyo Qulqulluu ta'uu isaa ni ilaalla. Garana asi hin kalaa'iin, lafti irra dhaabbattee qulqulluu waan taateef Kophee kee mulqii.Iddoo argamuu Waaqayyoo waan dhaabbateef museen garas achi ilaaluu hin dandeenyee, ni sodaate,Waaqa irraan kan ka'ee ardiin sun qulqulluu ta'e.

2.Inni lammaffaan immoo Waaqayyo qulqulluu qofaa oto hinta'iin **amanamaas** dha.Ani Waaqa abooti keeti ,Waaqa Abrhaam, Waaqa Yisaaqi,Waaqa Yaaqoobi dha, Ba'uu 3:6.Jaalala isaa akka hin jijiirre ni agarsisa, kakuu isaa akka hin jijjiirreeti agarsisa.Waaqa wajjiin areerrata qabdaa?

Waaqayyo tokkicha,inni gidduu dhaabbate, Waaqayyoofi nama walitti fiduu tokkicha,inni immoo kristoos Yesus nama ta'ee muldhatee dha. 1ximo 2:5.Inni amanamaa waan ta'eef dubbii isaa hin jijjiiru.

3. Amalli Waaqayyo imsamee abiddaa saaxoo keessa muldhachh isaati.Amalli isaas Waaqa araaraa ta'uu isaati. **Waaqa aaraaraa waan ta'eef**, "ani dhugumaan booyicha sabakoo argeeraa jedhe. Ba'uu 3:7-8. Waaqayyo maaliif gara lafa caaluutti isaan godaansee? Isaan waan kaanaaf ga'uumsa qabani? Miti, garuu Waaqa aaraaraa waan ta'eef male.

4.Waligalaatti sadarkaa arfaffaatti amalli Waaqayyo Saaxoo boba'uu sana keessa ibsamee, Waqa bara baraan jiraataa ta'uu isaati. Museen maqaan isaa enyuu jedhani yoo nagaafatan maal jedhee deebisaa? Jedhe yommuu gaaffatee, Waaqayyo "ani Waaqa jiraata dha! Ba'uu 3:14-15.

Waaqa qulqulluu! Waaqa amanmaa! Waaqa aaraaraa! Fi Waaqa jiraataa barabaraa! Ani Waaqa jiraatadha! Kuni bara baraan maqaa kooti! Ba'uu 3:14-15:6:2

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 31 FFAA

## FARII'ON: WAAQAYYO ENYU?

### Ba'uu 4-7

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi

ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen   nagaa! Siniin Jenna!!

- Haardha kan itti fufnee ilaalluu kitaaba torah keessa kitaaba lammaffaa waa'ee raagaa Museetiifi saba Israa'eli Gibxii keessaa ni ilaalla.Farii'oon saba Israa'eli akka garboomse, ari'anna keessa akka turan, akkasumsa Waaqayyo haamaa gargalchudhaaf saba isaa Farii'oon jalaa walbeessuu dhaaf immoo Museetti akka gargaarame ilalle turre.
- Museen Ogummaa hundumaa akka baratee, ogummaa Gibxii fi ogummaa Ibrootaa jechuudha.Umriin isaa 40 wayita ga'eetti karaa isaatiin, saba isaa bilisoomsuuf Yaale.Sun immoo balaa isatti fidee malee, jijjiiraminsa hin fidneefi. Gamoojjii keessa baqateesi hoomaa looni kan soddaa isaa tiksaatiin waggaa 40 jiraate.
- Museen umriin isaa 80 wayita tureetti  gaara sinaa irrattiWaaqayyo  abidda saaxoo booba'uu keessaa waameen.
- Ba'uu 3 keessa Waaqayyo  Musee wajjiin ta'uudhaaf akka waadaa galeef ni ilaalla.Boqoonna afur irratti immoo MuseenFarii'oon deemuu  gara  akka sodaatee ni ilaalla.

*Museenis " yoo anatti amanuu didaniifi na dhaga'u didani ' Waaqayyo sitti hin muldhanne jedhan!'?. Waaqayyo akkana isaan jedhe, " uf haarkkaa maal qabdaa?" "ulee" jedhe Museen. Goftaanis , " me lafa irratti gati." Museen lafa irratti gatee innis bofatti jijiiramee isa irraa deeme. Mammas Waaqayyo haarka kee dirirsiti karaa eegee isaa qabini jedhe. Museenis haarka isaa drirfatee bofa  sana gara egee isaa qabe, innis deebi'e  haarka isaa irratti ulee ta'e.*
***"Kuni" Ibroonni akka Waaqayyo, "Waaqa abboota isaani , Waaqa Abrhaam, Waaqa Yisaaqi, Waaqa Yaaqoobi si ergee akka  si amananiifi dha."***

- *Museenis Waaqayyoon  akkana jedhe, Yaa Waaqayyoo goftaa duris ammasa arga garbicha keetti dubbachuu jalqabdeeti ani dubbachuuf hin danda'uu jedheen.Ani afaan koo hidhamaa dha, arrabni koo anatti ni ulfaata" jedhe.11 Yommuus Waaqayyo afaan namaa enyutu ume? Enyutuu didaa yookiisduudaa, kan argu yookiis jaamaa  isa godha? Ana Waaqayyo miti ree? Kanaaf amma ati dhaqi.ani immoo akka ati dubbattuuf sin gargaara!jedheen. Inni garuu "yaa goftaa ko maaloo nama biraa utu ergitee ni waayya"jedhe".Yommuus dheekamsi WaaqayyooMusee irratti  ni boba'e;Mussedhaan ,*

*“ obboleesi kee Aron , sanyiin Lewii jira miti ree?Inni ba’eessa godhe akka dubbatu ani nan beeka;Kunoo ,isi simachuudhaaf ni ba’a, Yommuu si argus garaa iaatti ni gammada.Ati isatti ni dubbatta, dubbicha afaan isaa keessa ni keessa;ani immoo akka ati dubbattuuf ,akka inni dubbatuufis nan gargaara, wanta hojjattanis ani isin nan barsiisa.Inni waan ati dubbachuuf jettu namoootatti siif ni dubbata; inni afaan siif ni ta’a,ati immoo ana Waaqayyoof afaan taatee isatti kan dubbattu ni taata.17 Ati ulee ittiin milikkita agarsiftu kana of harkatti ni qabatta”*

- *Rrgasi Musseen Soddaa isaa Yetooriin , amma ni Gara sabako Gibxii jiran nan deemaa akkalubbuudhaanis jiraatan ni ilaala.Yetooriin soddaan isaa deemii “gaarummaa kees naan hawwaa.”Waaqayyo Miidiiyaa keessatti akkana jedheeni “ gara Gibxii deebii’I namoonni si ajjeesuudhaaf barbaadan hundii du’ani jiru.”* ***Museenis haadha warraa isaaf ilmaan isaa haarree yaabachisee gara Gibxii deebi’e.****Akkasumas, ulee Waaqayyo harkatti qabatee ture.Waaqayyo Museetti , “ wayita Gibxiitti deebite, diinqii Farii’oon duratti human siif keenuun mul’iiftuu ilaali. Lakk. 22 Ergasi immoo Farri’oonitti akka jedhii, “ Waaqayyo akkana siin jedha: Israa’el ilmaa angafaa kooti , 23 ani sitti himeera,ilmi koo akka na waaqeesuuf gad lakisiini.”*
- *Ba’uu 4:27 Waaqayyo Aronitti , “ Musee argudhaaf gara gammoojji ba’i.” Innis gaara Waaqayyo irratti isa arge dhungateen. Lakk. 29 Museeni fi Aroniin maanguddoota israa’el waliitti qaban,Aronis wanta Waaqayyo Museetti dubbatee hundummaa isaanitti hime.Innis isaan duratti diinqii hojjate, isaanis ni amanan.Yommuu kana dhaga’an Waaqayyo nuf yaadeera dhiphiinna keenyas argeera jedhani sagadan.*
- *Bu’uu 5:1 Waan hundumaa booda Musee fi Aroniin gara Farii’oon deeman akkana jedhan, “ kuni dubbii Waaqa Israa’el goftaa dubbatee dha: Sabnii koo lafa onaatti ayaana anaaf haa ayyaaneefatanii,* ***gad isaan dhiisi****!Mootichi imdeebisee imoo,* ***Waaqayyo inni ani sagalee isaa dhaga’ee namoota Israa’el gad dhiisu kun enyu inni****?AniWaaqayyoon hin beeku saba Israa’elis immoo gad hin dhiisu’ jedhe.*

- Farii’ooniif Gibxoonni waaqeeffanna qabuu garuu Waaqa hin beekan jechu dha.Kun immoo hammeenna isaan irra buse,

Egaa Israa'elootaan , ani Waaqayyo dha! Ba'aa warra Gibxii  jalaa isin nan baasa. bulchiinsa garbuummaa isaan keessaas isin nan olcha;ani irree koo ol fudhadhee firdii gurguddaadhaan  isin nan fura.Biyya Abrhaam Yisaaqi fi Yaaqoobiif kakadhee qabeenya **godhee isiniif nana keenna**.

- Ba'uu 7:4  Farii'oon Ininiin hin dhaga'u. Yeroo Farii'oonitti dubbatan,a umriin Musee 80 yommuu ta'u Aron immoo 83 ture.Isaanis akkuma Waaqayyo isaanitti agarsisee raawwatan garuu Fari'oon dhaga'u ni dide.
- *Waaqayyo kanaan cunqursaa Israa'eloota irra  waggaalee 400 fidaniif gati isaaniif baasuuf jedhe adda isaani jabeesse.Kana maleese karaa baasaa fi dinqii isanaan  ulfinna isaa addunyaatti ibsuuf ture.Waaqayyo namni tokko illee akka hin badnee ni barbaada, garuu cubbuu irraa deebi'ani akka jiraatan ,karaa dinqii Museetti gargaaramee hojjateen isaanitti dubbate isaan garuu feedhi hin qaban ture.**Kanaanis kan karaa Musee dubatu Waaqa  tokko  isa dhugaa ta'e akka beekan ture.***
- *Adunyaan haardha karaa Farii'ooni filateera. Isaan waa'e Waaqa ni barreessuu, bi lalabu, garuu dubbii isaatiif hin ajajaman.Hamma tokko waa'e Waaqayyo ni beekuu garuu Waaqa hin beekan.*
- *Haardha nuti  karaa kamiin deemaa jirra?*

*Yaa oboloota  nana!isin keessaa tokko illee garaa hamaa isa hin amanne, isa Waaqayyo jiraataa garagalus akka hin qabanneetti  of eeggadha! Ib 3:12*

***Caaffanni Qulqullaa'aanoo  , "har'a sagalee isaa yeroo dhageessan,akkuma war isa irratti ka'an sanaa isin mata jabeeyyii hin ta'inaa! Ni jedhe." Ibr 3:15.***

***Waan nu dhageessaniif galatoomaa, milkaa'aa, Waaqa hundumma danda'u fula isaa isin irra haa ibsu.***

**KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 32 FFAA**

**DHA'ICHA**

**BA'UU 7-10**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya  maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa  arjummaa isaatiin qopheessee  ilmaan namaa  dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen   nagaa! Siniin Jenna!!

- **Buphaan kattaa wajjiin waldhaansoo hin danddeessu**! Mamaaksi kun brnoota hardha kana nuf  goolaba. Buphaanii kattaa wajjiin yoo walitti bu'uu maaltu ta'a? buphaan ni caccaba.Garuu kattaa irratti jijiiramiinsi hin dhufu, kattaan kattaadhuma.Har'a Mootiin Gibxi Waaqa kattaa ta'ee wayita falmuu wanta ta'u ni ilaalla.

  ***Inni kattaa jabaa dha****, wantti inni godhus mudaa hin qabu,,karaan isaa hundinuus qajeelaadha,jaldhinnis isa keessa hin jiru,inni dhugaa-qabeessa fi qajeelaadha. Keessa deebii 32:4.*

- Ba'uu 7:10 , kanaaf Musseni fi Aroniin akkuma Waaqayyo isaan ajajeeti gara Farii'oon deeman. Aron ulee harkaa qabu sana  Farii'oonii fi namoota isa wajjiin jiran fula duratti ni darbee uleenis bofa taate.11 Farii'oonis moortoota flfalttota Gibxii ajajee isaanis dhoksaa isaanitiin wanta walfakaatu hojatan.Isaan hundummaa ulee isaani lafa irratti darbatan, uleen hunddii isaanis bofa ta'e. Garuu Uleen Aroni kan isaan hundummaa liqiimsite.
- Kana irratti hojiin baasni Museefi Aroniin geeggeeffamuu sun Waaqa irraa waan dhufeefi isa dura dhaabbachu hin dandeenye. Baasni moortootaa fi falfaltoota isaa madde? Maddii isaani s**eexana** ture. Hundeen isaas sobaa fi  gowwoomsuu dha.

Seexanni sobaa dha! Humnas ni qaba, garuu humni isaa human Waaqayyo jala jiraa.Kanaaf uleen Aron Uleewwan, moortootaa fi falffaltoota liqiimsuuf danddeett.

- Ba'uu 7:14 Waaqayyo goftaan Museedhaan akkana jedheen:garaan mootichaa hadoodeera, saba sana gad dhisuu dideera. Akuma mootichi ganamaan  gad bu'eeni  isa bira ga'i.Ulee  isan gara bofaatti jiriirame fudhi ti qarqara lagichaa bira isa egi. Akkana jedhiinis, Waaqa Ibroota, gara keen a ergee jedhiin: " sabni  koo  gara  gammoojjii deeme akka na Waaqeessuu gad dhisii!" jedhini.Daruu  hangga ammaatti ati dhaga'uuf hin qophoofne. **Kanaanis ani Waaqa hundumaa danda'aa ta'u koo ni beekta!**Ulee uf

harkaa qabuun laga abbayyaa nan rukutaa innis gara dhigaatti ni jijjiirama… Museeniifi Aroniin akkuma Waaqayyo isaan ajajeetti raawwatan.Innis lafa Frii'oon fi namoonni isa wajjiin jiranitti ulee isaa abbayyaa irraa diriirsee bishaanichis gara dhigaatti geedarame.

- Ba'uu 7 :21 Qurxummi bishaan keessa jiran du'an, bishaanichis ni ajaa'e, Gibxoonnis dhugu hin danda'u.Dhignis Gibxii keessa iddoo hundumaa waliin ga'e.Haata'u malee Moortoonni fi falfaltoonni ogummaa isaanitiin akkasumas daladan, Mootichi Gibxii ammayyuu akkuma Waaqayyo dubbatee garaan isaa jabaate Musee fi Aron dhaga'u dide.Yommuus mootich gara masaraa isaa deebi'ee wanni ta'e kun hunddii garaa isaa hin rukunne.Bishaan lagichaa waan dhuguu hin danddeenyeefi Gibixoonnii hunddii bishaan argudhaaf lafa qotatan.
- Ba'uu 7:25 Waaqayyo Gibxii rukutuu erga jalaqabe guyyaa torba dabre.Waaqayyo Musedhaan akkana jedheen, Gara Fari'oon deebiti akkana jedheeni, " sabni koo gara lafa gammoojjitti dhaqee akka naaf sagadu gad dhisi!"
- Yoo ati gad dhisuu diddee, biyyichi dhay'ichia fatteedhaan ni gutama. Abayyaanis fatteedhaan ni gutama. Fatteenis, masaraa keetti fi iddoo cisichaa keetti, managondaaltoota keetti fi saba keetti,gola eeti fi dallaa keetti ni dhufu.Ba'uu 8:3.Kana hundummaa Frii'oon dhaga'u hin dandeenye. Ba'u 8:5.
- Mortoonni falfaltoonni ,dhayicha dhaabsisuu miti isaanuu rukutamani waan turaniif. Kuni maaliif ta'ee isaan hunddi daanggaa qabuu, Uumaan hunddumaa garuu ,siruumaa hin daanggeeffamu.

*Warri ayyaana heedan sunis mootichaan ,"inni kun hojii harka Waaqayyoo ti!" jedhan. Ba'u 8:19.*

- *Dha'icha kana hundduumaa boodde Farii'oon saba Israa'el gad dhisuu dide.Kannaaf Waaqayyo dha'icha gara biraa torba dabale.*
- *Dha'ichi 4 ffaan dumeessa tisisaa ture.Tisis lfa hunddumaa gute,biyyatti irratti midhaa baayyes fidan.Dha'icha 5ffaa ,dhibee loowwan irratti dhufe, loowwan laf irraa fixes. Garuu hormaata Israa'eli garuu hin tuqnee ture. 6 ffaa irratti loowwaniif nama madaa dhaan dha'e. Warri ayyana hedan ,mortoonnis madaadhaan ni rukutaman. Ba'u 9 ;11. 7 ffaa immoo,cabbie baa''y'ee ulfaataa, biyya Gibxii erga beekamee jalqabee hamma ammaattiti takkaa bu'ee hin beekne*

*itti nan busa.8 ffaa immoo biyyi Gibxii awwaanisaan guttame,kunis, isa cabbie irraa hafee fixe.Dha'ichi inni 9 ffaan immoo,Ba'uu 10:21-22, Waaqayyo yommuus Museedhaan ,"dikkanni biyya Gibxii irratti akka bu'utti, dukkanicha keessa namni akka qaqqabatutti,ati harka keegara Waaqaatti ol qabi jedhe. Guuyyaa sadii guutuu dukkani quba hin keessifne guutuummaa biyya Gibxii irra ture….Farii'oonis Musee fi Arooniin, argamuu kiyya duraa deemaa jedhe.Ba'u 10:28.*

- *Mootichi Gibxii Waaqa Daanggaa hin qabnee wajjiin waldhaansoo qabee ture. Buphaan kattaa wajiin akkuma falmii barbaaddee jechuudha.*

*Wantti kun hundiinuu warra kaan qoqqoo bachuudhaaf isaanitti dhufe,nuyi waarra dhumni barichaa irra ga'eef immoo barumsa akka nuuf ta'uuf caafame* (1 qor. 10:11) .

Kanaaf caaffanni qulqullaa'aan , " namni foon uffate hundinuu akka margaa ti, ulfinni isaa hundinuus akka daraaraa margaati , margichi ni googaa, daraaraan isaas ni harcaa'a.25 dubbiin goftichaa garuu, hafee bara baraan ni jiraata" ni jedha.( 1 phex 1:24-25).

Inni kattaa jabaa dha,wanti inni godhus mudaa hin qabu,karaan isaa hundinuus qajeelaa dha,inni Waaqayyo amanamaa dha,jal'inis isa keessa hin jiru,inni dhugaa qabeessaafi qajeelaa dha.( Keessa deebi 32:4.)

Waan nu dhageessaniif galatoomaa! Milkaa'a! Waaqa hundumaa danda'u fula isaa isaan isiniif haa ibsu!

## KUTAA TOKKOO FAA BARUMSA 33 FFAA

## HOOLAA FAASIIKAA

## BA'UU 11,12

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi

ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen   nagaa! Siniin Jenna!!

Barumsa dabree keessa , Forii'oon akkamitti Waaqayyoon akka falmuuf yaalee agarre turre.Kana Israa'el Waaqayyoof ilma angafaa ta'ee gad hin dhisuu jechuudhaan muldhise.Buphaan akkuma Waaqayyo wajjin falmutti jechu dha.Waaqayyoos dha'icha sodaachisa  9 karaa Aroni fi Museetiin ergudhaan  yeroo isaan rukutu agarree turre.Baasoonni fi diinqiin sun hunddii Farii'oon irratti jijirama tokko ille hin fidne.

- ♣ Hardha immoo dha'icha xumuraa isa 10 ffaa, isa Forii'oon ittiin saba Israa'el gad dhisuu ni ilaalla.Dha'icha 9 ffaa booda Mootich Gibxii Museeni fi Aroniin, fula koo duraa ba'aa! isaaniin jedhe, **lamus na arguu akka hin danddeenye beekkadha**! Guyyaa ana argitanis ni dutu!(Ba'u 10:28).
- ♣ Ba'u 11:4 Museen Farii'ooniitti akkana jedhe," Waaqayyo akkana jedha:Halkan walkkaatti ani gutummaa Gibxii keessa nan deema.Ilmi angafaa warra Gibxii hundii ni du'a, ilma angafaa  isa teesso isaa dhaalu  irraa jalaqabe,hammaa ilma garbitti hojjattuu manaatti  fi akkasumas horii keessaa angafni  ni du'a.Guutummaa biyya Gibxiittis bo'ich guddaan  ni ta'a, boo'ichi akkasii kun  takkaa ta'ee hin beeku, kan akkasis deebi'ee hin ta'u.7 Namaafi Israa'elootaatti garuu  sareen illee hin duttu.Waaqayyo warra Gibxii fi Israa'eli jidduu garaa garuummaa akka godhuu kanaan ni beektu.Museenis aree Farii'oon duraa ba'e.
- ♣ Angafni Israa'el maaliif hin dune? Isaanis yakkamtoota turan ,garuu Waaqayyo amanamaafi Waaqa aaraaraa waan ta'eef **da'oo** isaaniif qopheesse.

Waaqayyo Museefi Aronitti akkana jedhe…., bulti kudhanaffaa ji'a kanaa maatiin hunddi , dhunffaatti hoolaa hafudhatu,hoolaan fudhatan korpheessa waggaa tokko isa hanqiinna hin qabne, hoolaa yookiin ree'ee haa ta'u. Hamma guyyaa kudha arfaffaa kan ji'a kanaatti achitti isaaniif eggannoo godha,yammuu warrii Israa'el gutummaatti walga'an adduma addaan isaan qala.Ergasi wari qalan dhiiga  isaa irraa fuudhani michichila balbala lamaanuu,buusaa mataa balbalaa lamaanuu,buusaa mataa balbalaa maneen  xobbaalicha keessatti nyaataniitti haa diban!Halakanuuma sana  foon waddamee sana haanyyatan, foonichi ibiddaan waadamee,maxinoo dhaafi biqiltuu,urgooftuu hadhaa'uu wajjiin  nyaattamuutuu irra jiraata.

Dheedhii isaa yookiin bishaaniin isa affeelamee hin nyaatiina, Ibidda irra isa waadamee nyaadha. …,.. mana keessatti nyaattamuu qaba, isa tokko illee manaan ala hin nyaatiina, lakee isaa tokko ille hin cabsiinaas.Ba'u 12:1-9,46.Yommuu dhiiga sana arggeetti anii mana asana bira darba.

- ♣ Ba'u 12:29 akkuma Waaqayyo dubbatetti, ilma angafaa farii'oon irraa jala qabee hamma ilma angafaa nama mana hidhaa keessa jiruu rukute.Angafa hoorii hundumaa rukute.Ergamaan du'a biyya Gibxii hundumaa keessa naana'ee, angafa hundumaa ajeese. Boo'ichi guddaanis gutummaa Gibxii keessa Ta'e. Angafni Gibxootaa wayita rukutaman, Kan Israa'elootaa hin tuqamne. **Warri Gibxoota karaa fayinna Waaqayyo qopheesse waan hin fudhanneef dhuman jechuudha.**
- ♣ Ba'u 12:31 Halkan sana Farii'oon Musee fi Arooniin Waamsise, ka'a!, Saba koo gad dhisaa ,isinii fi Israa'eloonni! Deemaa, akkuma gaafatanitti Waaqeessa… anas eebisaa! Warrii Gibxonnis biyya isaani akka gad dhisaniif isaan arifachisan. "**Kanaa achi hunddii keenya ni dhumna!**"
- ♣ Jala qabatti Farii'oon Waaqayyo enyu jedhe ture, boodatti, Farii'oonii fi Waarri Gibxii Waaqa Abrhaam, Yisaaqii, fi Yaaqoobiif bitamuuf dirqaman.
- ♣ Halkanuuma sanatti Israa'eloonni qabeenya guddaadhaan, biyya Gibxii keessaa ba'an. *Ba'u 12:35.*

  *Garruu ani saba isaan hojjetaniif sanatti adaba nan fida,boodees qabeenya guddaa fudhatanii achii ni ba'u.Seera uumama 15:14.*

  *Israa'eloonni akka Museen isaanitti hime ni godhan;mi'a meetii fi warqee irraa hojaman,uffatasa warra Gibxii irraa argachuuf ni gaafatatan.36 Waaqayyo wanta warri gaatatan akka isaan kennaniifitti ,jarri warra Gibxii duratti faara tolaa dhaan akka ilaallaman ni godhe.; akkasitti jarri warra Gibxii irraa guuratanii ni ba'an.Ba'u 12:35-36.*

- ♣ Ijoolleen Israa'el akka warra Gibxii wajjiin akka hinduneetti dhiiga hoolaa korpheessa isaaniif qopheese.Dhiigni kunis gaadisa ta'ee dhiiga goftaa yesus fannoo irra dhangal'ee aggarsisa.Rooma 3:22-23.

  Kiristoos hoolaan Faasiikaa keenya aarsaa nuuf ta'eera. 1qor 5:7.

Anis dhiigicha yommuun argu isin irra nan darba; Ba'u 12:13.

Jaallatmtoota dhaggeeffatootaa waan nu dhageessaniif galatoomaa, milkaa'a Waaqni hundumaa danda'u fula isaa isin irra haa ibsu.

**KUTAA TOKKOO FAA BARUMSA 34 FFAA**

**KARAA GALAANA KEESSA**

**BA'UU 13-15**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya  maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa  arjummaa isaatiin qopheessee  ilmaan namaa  dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen   nagaa! Siniin Jenna!!

- ✓ Barnoota dabree keessa Waaqayyo saba isaa akkama angafa hundumaa ajaeesudhaan garbummaa Gibxii keessaa walaba isaan akka baasee agarree jirra.Garuu birmaduummaa anggafa Israa'el immoo qalma Korpheessa mudaa hinqabneen akka ture agarre jirra.

  *Dhiigni manneen  isin keessa jiraatanitti jiru garuu milikita isiniif ni ta'a;anis dhiigicha yommuun argu isin irra nana darba;yeroo ani dha'icha  kana biyya Gibxiitti fidutti,isin balleessuudhaaf  dha'ichi tokk illee isinitti  hin hin bu'u. Ba'uu 12:13. Haalkan Faasikaa sun haalkan gammachuu guddaa isaaniif ture.Sansalanni garbummaa isaan irraa cabeera,bilisomaniiru.Gara lafa Waaqayyo isaaniif kakateetti kana'aan, bara haammayyaatti immoo Fiilisxeem yookiin Israa'el jedhamutti galan.*

- ✓ Haardha seenaa gammachisaa Waaqayyo akkamiin human sooltoota Farii'oni irraa Ibroota akka bilisoomse ni ilaalla.

Israa'loonni Raamsee irraa Ka'ani gara Succoti imalan.Laakoofsi isaani haawwootiini fi Daa'immanii malee kumaa dhibba ja'a turan.Namoonni heedun, beeladoota horii baa'ee fudhatani ba'ani turan.Yoseef  ilmaan Israa'el waan kakachiseef,Museen **lafee Yoseef fudhee**

**ba'ee** ture.Guuyaatti, utubaan dumeessaa, haalkan immoo,utumaan abiddaa isaaniif ibsaa keennuu dhaaf isaan kukaa adeemaa ture.

- ✓ *Waaqayyoon Museedhaan, deebi'anii glaana dimaa bira aqumatan isaanitti himi jedheen.Farii'oonis Israa'eloonni lafa gammoojii keessa joonja'aa naana'an jedhe ni yaada.Anis garaa isaa nan jabeessa,kanaanis Farii'oonii fi looltoota isaa irraa ulfiinna nan argadha,**warri Gibxiis ani Waaqayyo akka ta'ee ni beeku**.Kanaaf Israa'eloonni akkana dalagan. Ba'uu 14:1.*

*Israa'loonni akka biyya dhiisani deeman beekeetti, inni fi hojjattoonnii isaa waa'ee saba sanaaf yaadan gedaramee, " sabni Israa'el nuuf hojjachuu dhiisee akka deemu gochuun Kenya kun maali?"jedheen.7 Konhibba ja'akoolaatoota fo'aman,konkoolaatoota warra kaan hundumaa irra ajajuu duulaa naqatee fudhatee, ni ka'e.8 Waaqayyoo yommuus Farii'oon Gibxii mataa akka jabaatu ni godhe;9 Warri Gibxii- fardoon Farii'oon hundumaa,waarrii dhiiroonni loolaaf farad yaabatan,hojjattoonni isaas, waa'e isaani sammuu jijiirratan, akkuma Israa'loonni naannoo galaana dimaatti qubatan isaan ari'u jala qaban, "wanti dalagnee kun maal innii? Israa'eloonni hojii isaani dhiisani akka deeman eeyyamneef." Kana irratti mootichi Faradeenii fi koonkolaatoota isaa,abootiin faradeenii isaa,looltoonnii isaas jara ni hordofan;galaana bira phiihaahirot dura, fullee Ba'aal- Zefon buufatanii utuu jiraniis isaan ni qabatan………Israa'eloonni Museedhaan , biyya Gibxii keessa iddoon awwaalaa waan hin jirreef,as laja onaatti akka dhumnuuf nu fiddee?inni ati biyya Gibxii nu baafte kun maal nu irratti hojjachuu keeti? Lakka 12 achitti nu dhiisi siin hin jenne?*

- ✓ *Sabni Israa'el maal jedhaa turan? Waaqa maalii hirkachuu dadhaban laata? inni isaan walabeesse Harka Farii'ooni jala isaan baasuu hin danda'u laata? ni danda'a! garuu immoo **galaanni dimaa** fula duraan isaan dura waan dhaabbateef, **bitaa fi mirgii** isaani immoo **gaarootaan** waan marsameef, dubaan immoo **looltoon Farii'oon** isaan irraa ba'uuf waan kalaa'aniif gocha Waaqayyo isaniif dale akka hin yaadneetti isaan dhiphise.*
- ✓ Ba'uu 14:13 Museenis namootatti, hin sodaatiina. Fayinna Waaqayyo hardha dalagu argudhaaf,Jabaadhaaati dhaabbadha. Gibtoota hardha argitan kanneen lamuu hin argitan. Waaqayyoo isiniif ni lolaa isin tasgaboftan dhaabbachuu qofaadha. Waaqyyo immoo Museetti , maaliif iyyiitaa? Israa'eloonni akka deeman godhi.Israa'eloonni lafa gokeessa

irra akka ce'an harka kee dirirsiiti bishaanicha hirii.Akka israa'el dukaa ba'en ani garaa warra Gibxii nan jabeessa. Farii'oonii fi looltoota isaa, kangolaatootaafi warra farad yaabatan irraa ani ulfinna nan argadha.**Kanaanis warri Gibxii ani Waaqayyo ta'uu koo ni beeku.**

- ✓ 14:21 Museenis harka isaa dirirsee, gutummaa halkani Waaqayyo qileensa bahaa isa jabaatiin galaana gara laga gogeessa deebise.Warri Gibxii, faradeen Farii'ooni hundumaa, konkolaatoonnii fi dhiroonni farad gulufana hundumaa,hangga galaan diimaatti isaaniin hordoofani turan. Waaqayyo konkolaatoonni loltoota Gibxii lafa wajjiin waan maxananiif joonja'anii kottaa Israa'eloota dhiisnee nideemna jedhan; Waaqayyoos Museen, bishaanichi Israa'eloota irra akka dacha'u bishaanicha irra harka kee diriirsi jedheeni isa ajaje, bishaanichis, Looltoota Farii'oon isaan Israa'eloota dukaa bu'an irra deebi'e,isaan keessaa namni tokko illeelubbuudhaan hin olle.
- ✓ Museenii fi Israa'eloonni akkana jedhani faarfatan; inni baayyee guddaa waan ta'eef isaanan faarsa.Waaqayyo jabina kiyyaa fi gammachuukiyya. Ba'uu 15:1-2. **Inni baayyee guddaa ulfaataa waan ta'eef isaaf faarsa! Ba'uu 15:21.**
- ✓ Enyutu isaan olche? Ufii isaanii olchani? Looltoota isaan arii'an irraa, galaan diimaa irraa, gssroota isaan marsan irraa! Waaqayyo fayinna kiyya!

Kuni ayyaana Waaqayyodhaan, faraa amanttatiin fayitan malee ufii keesaniin miti, kun badhaasa Waaqayyoodha! Hojiinis miti! Kanaaf eennuu illee akka uf hin tulleef,Ef 2 :8-9.

- Egaa karaan haqaa human seexanaa irraa, cubbuu irraa fi Jaanama irraa fayinuu, karaan fayinaa Waaqayyoon qopheesse :

*Fayinnis Yesus Kristoos duwwaadhaan malee,kan biraatiin tokkoo illee hin jiru; maqaan kan biraa, itiin fayyuun kan nuuf ta'u, Waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin keennamne" jedhe. HO.E 4:12.*

*Yesus deebisee, "karichi, dhugaan, jireenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu. Yoh 14:6.*

*Du'a irraa gara jireennaatti ceeneeraa?*

*"**I am the way** and the truth and the life. No one comes to [God] the Father except through me.…I tell you the truth, whoever **hears** my word and **believes** him who sent me has eternal life and will not be condemned; **he has crossed over from death to life**."* (John 14:6; 5:24)

Dear friend, have you *"crossed over from **death** to **life**"?*

*Hin sodaatiinaa. Jabaadhaa dhaabbadha! Fafina Waaqayyoo amma hojjatuu arga! Ba'uu 14:13.*

**KUTAA TOKKOO FFAA BARUMSA 35 FFAA**

**NYAATA GAMMOOJJII KEESSAA**

**SEERA UUMAMA 16,17**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota dabree keessa Waaqayyo akkamitti human Farii'ooni irraa isaan olchee, agarree turee. Yommuu isaan baqatanii qarqara galaan diimaatti ga'an diinoota isaani irraa miliquudhaaf carraa hin qabne turan; Waaqayyo galaan hiruudhaan lafa gogeessa irra taakkani cee'an. Isaanis gocha isaa kanaaf ni faarfatan maqaa guddaa isaas ni jajan!

Inni fayyinna koo waan ta'eef,Waaqayyoof nana faarsa. Waaqayyo guddaa dha!

- Giyya Gibxii fi Kanaan jidduu lafa gammoojji Siinaa jedhamuu tu argama. Lafa onaa kana keessa Waaqayyo akkam saba isaa nyaacnise immoo hardha ni argina.
- Lakkoofsi isaani gara miliiyona lamaatti ni kalaa'a jedhamee tilmaamama. Waaqayyo isaan dursee waan ba'eef haanqiinna tokko malee lafa Waaqayyo abbooti isaaniif kakateetti ni ga'an jechuudha.

- Ba’uu 16:1,gutuummaan Israa’el Eliim keessaa ba’ee lafa gammoojjii siin Eliimi fi Siinaa jidduu, ji’a 2 ffaa bulti 15 tti ga’an, eerga Gibxii ba’an jechuudha. Karaa gammoojjii sana keessa immoo Musee fi Arooni irratti guunguman. Akkama waliin jedhan, insin saba walitti qabamee kana hundumaa beelaan fixuudhaaf gara lafa onaa kanatti fiddanittu;nuyi garu biyya Gibxii keessatti xuuwwee foonii ciina teenyee utuu nyaannuu harka Waaqayyootiin utuu dhumneeraa ta’ee,nuuf nu wayya ture jedhan. Awwaallii biyya Gibxii hin jiruu? Saba kana hundumaa lafa gammoojjii keessa jixuudhaaf barbaaddani? Jechuudhaan ergamoota Waaqayyo irra ariidhaan ka’an.
- Sabnii Israa’el Waaqa irratti amanttaa dhaban.

Waaqayyo Museedhaan akkana jedhe, “ guungummii Israa’eloota dhaga’eera, ammas isaaniin ,yeroo dimimisaa’utti foon ni nyaattu,ganama immoo buddeena ni quftu,yommuus ani Waaqayyoo keessan, gofticha akkan ta’e ni bartu jedhi! Jedhe.Kanaanis ani Waaqayyo akkan ta’ee ni beektu.

- Galgaluma sana dimbiliqeen dhuftee iddoo buutataa ni guutte; ganama fixeensi naanoo buufata sanaa irra ture. Lakka 14 Yommuu fixeensi bu’etti immoo wanti akka qolaa bixxilleen cabbie haphiin lafa onaa sana irra bubbu’ee ture.Israa’eloonni isa arganii, maal akka inni ta’e waan hin beekneef walii isaanitiin, **“kun maali inni?** Jedhan; Museen immoo isaaniif kun buddeena isa Waaqayyo akka nyaattaniif isiniif keennedha.
- Ba’uu 17:1 akkuma Waaqayyo ajajee iddoo tokko irraa gara kaanitti imaluu jalqaban. Lafa Refiidiim jedhamuutti quphatan, bishaan hin turre, Musee wajjiinis walitti bu’an; bishaan akka dhugnuu nu keeni jedhan. Museenis ,ana wajjiin baaliif walitti butan? Maaliifis Waaqayyo qortan?
- Gibxii keessaa ilmaan keenaafi horii keenna maaliif dheebudhaan fixa? Museenis gara Waaqayyo iyyee. 4 Waaqayyoonis Museedhaaf deebisee, namoota dura deemii,jaarsooli keessaa muraasa si wajiin fudhii, akasumas, ulee galaana diimaa irra dirirsitee harkattis qabadhu ti deemi. Koreebitti ani si dura nan dhaabbadha. Ati kattaa rukutii sabnis akka dhugan bishaan ni burqa.Museeni argaa walddaa dura kana godhe. Bishaanis kattaa sanakeessaa akka malee yaa’e Sabnis, horiinis dhugan.
- Isaan dhugumaan waan kaaf kan ta’an yookiin ga’aa hin turre.Haa ta’u malee Waaqayyo amanamaa fi Waaqa aaraaraa waan ta’eef arjummaa isaatiin isaaniif badhaase.

- Namni tokko akkana jedhe isin gaafatu ni danda’a, seenaan Israa’el nu’iif maal godha? Jedhu ni danda’a.

Wanti kun hundinuu warra kaan qoqqoophachuudhaaf isaanitti dhufe, nuyi warra dhumni barichaa irraa ga’eef immoo barumsa akka nuuf ta’u caafame. 1qor 10:11.

- Hagam yakkamtoota haata’an malee, akka lafa onaatti hin duneetti samii irraa nyaata isaaniif keene.Namni nyaata kana didee ni du’a jechaadha. Garuu bara dheeraa booddee Waaqayyoo nyaata jireenya bara baraa namaaf keennuu qopheesse:

  Dhugaa isinitti nan himaa , inni amanuu jireenya bara baraa ni argata. Ani bideena bara baraati. Abootiin keessan lafa onaa keessa nyaata manaa jedhamuu nyaatan,dua’nis. Ani bideena jiraata samii irraa dhufeedha. Namni gara koo dhufee hin beel’u, eennuu ille gara koo yoo dhufee hin dheebootu. Yoh 6:47-51.

Waan nu dhageesanii isin galateefana, eebifama, milkaa’a, Waaqni hundumaa danda’u fula isaa isin irra haa ibsu.Ameen.

**KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 36 FFAA**

**TULLU ABIDDAA SINAA**

**BA’UU 19, 20**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- Barnoota dabree keessa eeggannoo Waaqayyo saba Israa’eliif godhe, jechunis balaa beelaadhaan akka hin duneetti, **Samii iraa isaaniif nyaata** keennuudhaan lafa gamoojji keessa akka isaan kununsee agarree turre.

- ♣ Haardha immoo kan itti fufnee ilaallu, Waaqayyo saba Israa'elitti gammoojjii yookiin lafa onaa keessa mul'atee seera qulqulluu isaani akka keenne ni ilaalla. Kitaaba Toraa ,Ba'uu 19, isa ji'a 3, ffaa , guyyaa jalaqabaatti Israa'eloonni Gibxii keessaa ba'ani gammoojjii Sinaa keessa ga'an isa jedhu ni ilaalla.Ba'uu 19:1. Museenii fi sabni Israa'el **Tullu Sinaatti** ga'aniiru. Buseen yeroo jelqabaatti Waaqayyo isa waamutti gaara kanatti ture, **saaxoon abidaan ni boba'a ture, garuu hi gubatu.**

  Ani dhugumaan, cunqurfama saba koo Gibxii keessatti argee ni jira… kanaaf isaaniin olchuudhaaf gad bu'eera… Gara Gibxii anatu si eergee deemi; ani si wajjiin jira.Kun ani akka si eergeen akeekkachisuu mallattoo dha!**Wayita saba Gibxii keessa baaftutti, Tullu kana irratti anaaf sagaddan.(Ba'uu 3:7,8,10,12)**

- ♣ Waaqayyoos wanta saba isaatti akeekachisee raawateera; Waggaa 40 dura gara Waaqayyo lafa dubateetti arjummaa Waaqayyotiin dhaqaban.

*Museenis gara Waaqayyootti ol ba'ee,Waaqayyoos Tullu irraa itti dubate. " Kuni mana yookiin maati Yaaqoobiif saba Israa'eliif kan himtuu dha; Gocha warra Gibxii irra raawwadhee atuu agarteejirta, akkamittis baallee yookiin kola Joobiraatiin ufiitti isin qabee agartani jirtu.Yoo sin gutumatti anaaf bultanii fi abboommi kiyya ajajmtan,saba hundumaa keessaa isin anaafqabeenya filatamoo naaf taatan. Gutummaan biyya lafaa kiyya yoo ta'ee iyyuu,isin anaaf motummaa qaallootaa fi saa qulqulluu anaaf ni taatu.Dubiin saba Israa'elootaaf himuu qabduu isa kana.Museenis deebi'ee waan Waaqayyoo ajajeen hundumaa maangudootatti hime. Samni hundumaa, "dubbii Waaqayyo nu ajajee hundumaa ni raawwannaa jedhan". Ba'uu 19:3-8.*

- ♣ Dhugumaan isa ni raawwanna jedhan raawwatani? Waaqayyo dadhabbii isaani ni beeka. Waaqayyo kan isaan irraa barbaaduu, dadhabbii isaani barani gargaarsa iaa akka gaaffatan duwwaa ture. Waaqayyo amanttaa Abrhaam, Yisaaqii fi Yaaqoobi waan beekuuf cubbuu isaani dhiseef.

  "Namni tokko illee hojii seeraa raawwachuudhaan Waaqayyo biratti qajeelaa ta'ee akka hin lakkaa'amne mul'ataa dha.; namni amanttaadhaan fuula Waqayyo duratti qajeelaa ta'ee jireenya dhugaa ni argata" ni jedha. Gala 3:11.

- ♣ Hangga as ga'anitti sabni Israa'eli, karaa haqa argachuudhaaf dadhabuu akka qabaatanitti yaadan ture. Isaan, waan Waaqayyo nu ajajee hundumaa ni raawwanna jedhan, garuu abboommii kurnan Isaaniif keennuudhaan akka isaan raawwachuu hin dandeenneetti isaaniin agarsise.
- ♣ Ba'uu 19:10, Waaqayoo Mussedhaan akkana jedheen, gara ummataa deemiti, guyyaa sadii keessatti otoo ummanni na arguu, Tullu Sinaa irratti gad nan bu'a,Tullu biratti Isaaniif daanggaa tolchiti, Tullu irra akka ol hin baaneetti fi hin tuqneetti itti him. Ennuu illee taanaan tullu yoo tuqee dhugumaan ni ajjeeffama.Dhagaadhaan rukutame yookiin xiyyaa dhaan warraannamee du'a, hark isa irra hin bu'u. Namas ta'ee loon akka jiraatu hin godhamu… ganama guyyaa sadaffaatti, baqakaanii fi balaqqeessa, dumeessa dudaa keessa, qoqii faaggaa yookiin immoo xurumbbaas guddaa ture. Wanni hundumaa iddoo bufataa keessa ni jeeqame. Museenis, Waaqa akka arganiif waandaa Israa'el gara Tullutti ni geese, isaanis Tullu jala ni ijaajjan. Waaqayyo abidda keessa issa irra waan bu'eef,Tulluun Sinaa araan ni haguggame. Aaris akkumaa ara waajija yookiin baqsaa irraa ka'utti qoqa guddaa dhaan ol ka'aa ture. Ergasi Waaqayyo Mataa Tullu Sinaa irratti bu'e walddaa Israa'eliif dubbate; Ba'uu 19:10.

- ♣ Ba'uu 20:1, Ani Waaqayyo Waaqa keeti,Waaqa Gibxii,biyya garbummaa keessa isin baasse dha.

1. Waaqooli kan biraa tokko ille ana cina hin qabaatiina. Lakka.3.

2. Bifa qirixame, fakkeenya,wanta ol Waaqa irra jiruu,,gad lafa irra jiruu,,yookiis bishaan keessa lafa jala jiruu, hin tolfatin! Lakk.4,5.

3. *"Ani Waaqayyo nama akkasumaan koo dha'u utuun hin adabin Waan ani hin dhiifneef,ati maqaa koo maqaa Waaqayyo goftaa keetii akkasumaan hin dha'in! lakka.7*

*4. Guyyaa Sanbataa qulqullinati eegudhaaf yaadadhu! Lakk. 8*

*5.Biyya ani Waaqayyo gooftaan kee siif keennu kessa bara dheeraa akka jiraattuuf. Abaa kee fi hadha keef ulfinna keeni!*

*6. "Hin ajjeesin"laaka.13*

*7. " Hin ejjin"! lakka.14*

*8. "Hin hatin!"   lakka.15*

*9. " nama irratti sobaan dhugaa hin ba'in!" lakka 16*

*10. " mana namaa duraa fudhachuudhaaf hin hawwin ! lakka.17. hadha manaa namaa,,hojataa isaa,  hojjattu isaa, qotiyyoo isaa,harree isaa, waanuma kan isaa ta'e duraa fudhachuudhaaf hi nhawwin! Jedhe.*

- ♣ Wanta gaara irra ta'e balaqqeessaaf  qoqa Waaqayyo dhaga'anitti baayyee ni sodaatan.
- ♣ Otoo hin xumuriniin dura, Waaqayyo qulqullu Waan ta'eef, hojii keenaan isa bira ga'uu hin danddeennuu,

*1phex 1:24 namni foon uffate hundinuu, akka margaati, ulfinni isaa hundinuus akka daraaraara margaati, margi ni gogaa , daraaraan isaas ni  harca'a.*

*Waaqayyo abidda nama nyaatuudha. Ibroota 12:29.  Margii abidda wajjiin firooma qabuu ni keekna, nyaatamuu qofaadha. Abidda irraa oluudhaaf immoo karaan isa Waaqayyo qopheesseedha. Innis Gooftaa keenya kiristoosi duwwaadha!*

- ♣ Qulqulluummaa isaa adda otoo hin baafatiin, Waan Waaqayyo jedhe hundumaa ni raawwanna jedhan, Yakkamtoota ta'uu isaani hinrraaffatani, hojii isaanitiin isatti kalaa'u barbaadan.

  Erga gaara irra isa arganitti, sodaadhaan hollatani, fagootti dhaabatani, **Waaqayyo nutti hin dubatini ,atumtu nutty dubbadhu, kanaa achi nuti ni duna! Jedhan.**

- ♣ Amma dadhabbii isaani hubatan jechuudha. Marga ta'u isaani ilaalan, Waaayyo immoo abidda nama nyaatu akka ta'an ni ilaalan. 1phex 1:24, Ibroota 12:29.

  Waaqayyo fi dubbiin isaa qulqulldha. Ilmii nmaa  immoo garaan isaa fi dalagaan isaa hamaa dha.

Nuyi hundumti keenya akka wanta xuraa'aa, taane, qajeelummaan keenya hundinuus akka moofaa xuraa'uummaa ni ta'e. Isa 64:6.

Waaqayyoon sodaachuun jalaqabaa ogummaa ti. Gowwoonni garuu ,oguummaa fi barsisa ni tuffatu. Fakk 1:7.

**KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 37 FFAA**

**AJAJAWWAN QULQULLUU KUDHAN**

**BA'UU 20**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- Waaqayyo abboommi kurnnan saba Israa'eliif keennuudhaaf isa irra bu'uu isaan kan ka'ee Tullu sinaa ara abiddaa fi balaqqeedhaan guttame.Akkasumas , akka hin dunee, Tullu irra akka hin baaneetti fi akka Tull sana hin tuqneetti isaan akeekkachise. Kanaani Waaqayyo qulqullu akka ta'e isaan barsisu barbaade.

♣ Haardha abboommii kudhan gad fageenyaan fi jireenya keenya wajjiin wal madaaluudhaan ni ilaalla. , Ani Waaqayyo Waaqa keeti,Waaqa Gibxii,biyya garbummaa keessa isin baasse dha.Ba'uu 20:1,2.

1.Waaqooli kan biraa tokko ille ana cina hin qabaatiina. Lakka.3. Isa qofaa tu Waaqa, ulfinna isaas ennuufillee hin qoduu.Qulqulluun maqaa Waaqayyo qofaa dha. Yeroo cubbuu dalagnutti ,gara isaa deebi'uu diduun, akka Waaqa tolfamoo waaqeessuutti ni lakka'ama.Waaqa biraatiif sagaduun immoo cubbuu dha.

2.Bifa qirixame, fakkeenya,wanta ol Waaqa irra jiruu,,gad lafa irra jiruu,,yookiis bishaan keessa lafa jala jiruu, hin tolfatin! Lakk.4,5. Qirixame, yookiin Waaqa harkaan tolchamee jechuun, wanni hundumaa isa namaa fi Waaqa jidduu galuudha. Namoota tokko tokkoof, moortoonni, Waaqa ta'u, isaan kaanif imoo, televisiini daawwa'achuu, yookiin Waaqa caalchisnee isa filannuu hundinuu Waaqa ta'a jechuudha.Namoota garabirootiif immoo horii ta'a jechuudha. Horii argachuudhaaf, amanttaa isaani jijiiran, maal ta'a, me hamma tokko hojjadhee immoo gara Waaqa ni deebi'a jedhan, akka soqiddi shaan waraabbii dhaqee bulbulamee bade jedhameetti jechuudha. Walumaa galatti waan hundumaa isa Waaqayyoon jijiirruu hunddii Waaqatolfamoodha.

3. *“ Ani Waaqayyo nama akkasumaan koo dha’u utuun hin adabin Waan ani hin dhiifneef,ati maqaa koo maqaa Waaqayyo goftaa keetii akkasumaan hin dha’in! lakka.7. Akka dubii sobaa nuti dubbannu nurraa hafudhataniif ,maqaa Waaqaa dha’u hin qabnu. Garuu yeroo kadhanaafi galataa Maqaa diinqii kana ni waamna jechuudha.Sobaan abdii* nmootatti keenuudhaaf, Maqaa kanaan kakachuu hin qabnuu jedhuudha.

Dubbii keessan keessatti eyyeen keessan, eyyee haa ta’u., waawwuun keessan waawwuu haa ta’u! kana irraa kan hafe kan isa hamaa ti jedhe. Maat 5:37.

*4. Guyyaa Sanbataa qulqullinati eegudhaaf yaadadhu! Lakk. 8. Abboommii arfaffaatti, Waaqayyo ilmaan Isra’elootaaf, guyyaa sanbataa akka yaadata, isa Waaqayyo guyyoota ja’a keessa waan hundummaa umee fixee, boqoote, xinxaluudhaan isa akka waaqeessan ni barbaada.Kana jechuun guyyoota ja’a keessa isa hin waaqeesinuu jechuu miti. Guyyoota torba keessa akka dubbii isaa deddeebi’uun, dhugumaan isa Waaqaeessuudha.*

*5.Biyya ani Waaqayyo gooftaan kee siif keennu kessa bara dheeraa akka jiraattuuf. Abaa kee fi hadha keef ulfinna keeni!*

*Abbaafi hadha kee ulfeessi, umriin kee akka dheeratu jedha. Kana dhaloota haaraa keessa argun nama rakisa. Uf jaallachuun jeroo irraa gara yerootti guddachaa adeemaa jira. Namni obooleessa isaa jibbuu ajeessa dha.(1yoh 3:15). Obooleessa kee ijaan argituu yoo hin jaallattuu taanaan, Waaqa ija foonitiin hin muldhanne akkamiti jaallachuu dandeeta? Abboomiin kun abaa keeyaaf hadha keenya fooni qofaa oto hin ta’in namoota hundumaa akka jaallannu nu barsisa jechudha.*

*6. “Hin ajjeesin”laaka.13. kakuu haaraa keessa ajjeechaa jechuun, fooniin nama ajeesuu qofaa oto hin ta’in,obbooleessa kee jibuun, olla kee jibuunis ajjeechaa dha.(1yoh3:15. Kanaaf namni enyummaa namaa madaale jibbuu yookiin hacuucuu fula Waaqayyoo duratti cubbamaa dha.*

*7. “ Hin ejjin”! lakka.14. abboommii torbaffaa irratti Waaqayyo saba Israa’elitti ejjun ,Waaqa wajjiin waldhabbii akka ta’ee isaanitti nibarsise.*

*Abbaan mana akkuma dhagna ufii isaa jaallatutti, haadha manaa isaa jaallachuun ni ta'a;( Efe 5:28).*

*Ani isinittan hima,yoo isheen ejjite malee, namni haadha manaa isaa baasee kan biraa fuduhe, ejja isaaniin jedhe.(Maat 19:9.) Kun Waaqaaf ajajamuu didduu dha; ajajamuu diduunis, balaa dhibee gara garaa biyya lafaatti fideera.*

*Ani garuu isinittan hima. Namni ija haawwaatiin dubartii ilaale garaa isaatti isheetti ejjeera.Maat 5:28.*

*8. "Hin hatin!"lakka.15. Qabeenya nama biraa ta'ee fudhachuun ,hanna; Hojii nuuf keenamee jiruu seeraan hojachuu dhisuun, hanna, yeroo dhaan galani yeroodhaan galuu dhisuun hanna. Waaqayyo keessa namaa wan ilaaluuf, miliqu hin dandeenyuu, firdii irraa oluudhaaf, amanmtoota ta'u qabna.*

*9. " nama irratti sobaan dhugaa hin ba'in!" lakka 16. Waaqayyo abboommii kanas ifa godhe kaa'eera. Dubbiin dharaa hundumaa kan seexanaati.*

*Isin kan abbaa tokkoo kan seexanaati; kajjeellaa hamaa kan abbaa keessaniis gochuu ni feetu.Jalqabuumaa jalqabee inni sun nama ajjeesaa ture; dhugaan isa keessa waan hinturreef inni dhugaa irra hin dhaabbanne.Inni sobaa abbaa sobaatis; kanaaaf yommuu sobu isa garaa isaa keessa jiruu ni bubata.( Yoh 8:44). Admaanmiifi Haawwaan wayita soban karaa seexanaa filatan jechuudha. Hardhas namni sobu karaa seexanaa filateera jechuu ni dandeenya.*

*10. " mana namaa duraa fudhachuudhaaf hin hawwin ! lakka.17. hadha manaa namaa,,hojataa isaa, hojjattu isaa, qotiyyoo isaa,harree isaa, waanuma kan isaa ta'e duraa fudhachuudhaaf hi nhawwin! Jedhe.*

Nuyi waanuma tokkoo illee fidnee gara biyya lafaa hin dhufne,isa keesaas waanuma tokko illee fuunee ba'uu hin dandeenyu.Waan ittiin jiraannu,waan keessa jiraanus qabaanaan nu ga'a.( 1Xim 6:7-8).

- Egaa abboommiin kunneen jireenya keenya keessa maal fakkaatan? Nuti isaan kan shaakallu fayyuudhaafi miti, garuu waan fayineef, namaafi waaqa wajjiin arirata ba'eessaan akka jiraanuuf nuf keenaman.
- Fyisaan biyya lafaa hundumma kan ta'e goftaan yesus, abboommi kudhan iddoo lamatti cunfee,

1. Waaqayyo kee gofticha garaa kee gutuudhaan, jireenya kee gutuudhaan,, yaada kee guutuuudhaan, jaallachuun siif ta'a.

2.Abboommiin inni lammaffaan akkuma isa duraa ti; nama akka mataa keetitti jaallachuun siif ta'a; (Maatt 22:37-40.) .

Areerata Waaqayyo wajjiin qabnuu maal fakkaata?

Areerata namootas wajjiinis qabnuu maal fakkaata?

*Qoodi warra lungoota a, warra amantti hin qabnee, warra, ciggaa'amaa, warra gumaa, warra halalee, warra qoriicha namatti godhanii, warra Waaqayyooli tolfaman, waaqeessanii, warra soduu hundumaas, garuu, kuufama ibidii fi dhagaan boba'u keessaa balachu ni ta'a; innis du'a lammaffaa dha naan jedhe. Mul'ata 21:8.*

***Isaan seera raawwchuu irra abdatan hundii abaaramaa dha! (Gala 3:10.)***

**Namni tokko seera keessaa warra kaan hundumaa eegee took yoo cabse akka waan hundumaa isaani cabseetti yakki itti ni murama. (Yaaqoob 2:10.)**

**KUTAA TOKKOO FFAA BARUMSA 38 FFAA**

**KAAYYOON ABBOOMMIIWANI**

**BA'UU 20**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Ba'uu 20:1, Ani Waaqayyo Waaqa keeti,Waaqa Gibxii,biyya garbummaa keessa isin baasse dha. **Waaqayyoos Abboommi kudhan Tullu Sinaa irraa keenne:**

→ **1.** Waaqooli kan biraa tokko ille ana cina hin qabaatiina. Lakka.3;**2.**Bifa qirixame, fakkeenya,wanta ol Waaqa irra jiruu,,gad lafa irra jiruu,,yookiis bishaan keessa lafa jala jiruu, hin tolfatin! Lakk.4,5.;**3**. *"Ani Waaqayyo nama akkasumaan koo dha'u utuun hin adabin Waan ani hin dhiifneef,ati maqaa koo maqaa Waaqayyo goftaa keetii akkasumaan hin dha'in! lakka.7;4. Guyyaa Sanbataa qulqullinati eegudhaaf yaadadhu! Lakk. 8;5.Biyya ani Waaqayyo gooftaan kee siif keennu kessa bara dheeraa akka jiraattuuf. Abaa kee fi hadha keef ulfinna keeni!;6. "Hin ajjeesin"laaka.13;7. " Hin ejjin"! lakka.14; 8. "Hin hatin!"lakka.15; 9. " nama irratti sobaan dhugaa hin ba'in!" lakka 16; 10. " mana namaa duraa fudhachuudhaaf hin hawwin ! lakka.17. hadha manaa namaa,,hojataa isaa, hojjattu isaa, qotiyyoo isaa,harree isaa, waanuma kan isaa ta'e duraa fudhachuudhaaf hi nhawwin! Jedhe. Isaan keessa isa tokko cabsee ,akka isaan hundumaa cabseetti fudhatama jedhe karaa ergamoota isatiin barsiseera. Abboomiin suneenis karaa haqa isa Waaqayyo Tullu Sinaa irratti keenee turan. Ilmaan Israa'elis abboommiwwan saneen eegu hin danddenye. Egaa, Waaqaqayyoo akka isaan eguu hin danddeenne beekeetti abboommiiwwan kudhan maaliif isaaniif keennee ree laata?Ba'aa guddaa akkanaa ilmaan Addaami irratti maaliif fee'ee ree laata?*

→ Seera hundumaa eegudhaaf human akka hin qabaanne otoo beekani, Waan Waaqayyo ajajee hundumaa ni raawwana jedhan. Isa irraa akka fagaatani

jiraatanis hin beekne turan. Ulfinna Waaqayyos akka isaan irra hirdhatees hin hubanne.

- → Abboommii guddaa sana isaaniif keennuudhaan ,Waaqa gammachisuudhaaf hanqqiinna isaan qaban ibseef; Israa'eloonni namoota bara ammayyaa kana fakaatan, waanta gaarii ta'ee yoo hpjjannee Waaqayyo ni gamadaa jedhani yaaduu, garuu Waaqayyo, " gara koo kotaati ana wajjiin bara baraan jiraadha isaaniin jedha. Dalagaan nuti dalagnuu gara Waaqayyootti nu hin dhiiyeesu.
- → Addaamiin cubbuu yookiin yakka meeqa dogogooree laata? kudhani? Dhibbaa? Meeqa laata?
- → Cubbuun tokko fi Addaamiin Waaqayyo duratti hin qulquulloofne turan!
- → Cubbuun tokko fi Addaam Waaqa biraa fagaatan!
- → *Cubbuun tokko fi Addaam du'an!*
- → *Cubbuun tokko fi Addaam, abidda bara baraatiif saaxilaman!*

→ *Waaqayyo qulqulluu waanta'eef cubbuu salphisee hin ilaalu. Kanaaf ummata Israa'eliif akkana jedhe:*

*Namnii tokko seera keessa warra kaan hundumaa eegee tokko yoo cabse, akka waan hundumaa isaanii cabseetti yakki itti murama.( Yaaqoob 2:10).*

→ *Egaa kaayyoon abboommi cubbuu ibsuudha, malee cubbuu balleessu miti.Rooma 3:20.*

→ *Waaqayyo Jeennata ittiin akka galan isaaniif hin keeniine.Garuu cubamaa ta'uu Kenya barree fayisaan biyya lafaa akka nuf barbachisuu akka amannuuf abboommiin kudhan nu barsisa.*

→ *Abboommiin kudhan akka warshaa dhukuba sakata'u, isa x- ray jedhamuu, dhkkuba cubbuu sakata'ee Doktaraaf himutti, Abboommiin kudhan immoo cubbuu keenya nuf agarsisuudhaan, fayisaan nu olchuudhaaf akka du'ee nutty himuu jedhuudha.*

→ *Namoonnii tokko tokko ilaalcha isaanitiin cubbamoota jedhani fudhatan wajjiin uf madaaludhaan, ani nama qajelaadha! Akka abluu miti, jechuu danda'u. Haata'u malee Waaqayyo cubbuu keetiifi unyummaa kee wali hin madaalu, garuu, ati enyummaa kee qulqulluummaa Waaqayyo wajjiin madalu qabda. Yeroo sana qullaa ta'uu kee bartaa jechuudha.*

*Namnii yesus kiristositti amanuudhaan fula Waaqyyo duratti qajeelaa ni ta'a; kana irrattis warra amanan hundumaaf garaa garuummaan hin jiruu. Lakka 23 hundinuu yakkaniiruu ulfiinni Waaqayyos isaanitti hir'ateera.*

→ *Ba'uu 20:18-24, Ummanni wayita balaqqeessa arganitti, gaara sinaa ara dudaa dhaan gutamee arganitti guddiisani sardaman. Fagaatani dhaabatnis; Wayita Museen, gara ara dudaatti dhi'aateetti, Waaqayyo Museetti " Ummata Israa'elitti kana himi, Waaqa irraa akka isinitti dubbadhe isinuu ragaadha. Lafa irratti anaaf, iddoo arsa qopheessi, aarsaa gubamuu, holaa fi ree'ee, akkasumas aarsaa loonii isa irratti dhiiyeessa.* ***"Ennuu illee taanaan maqaan koo akka kabajamuu yoo godhe, gara keessan ni dhufaa, isinan eebisa."***

→ *Itti ansuudhaan dhiiga kormaa fudhe, iddoo aarsaa irratti, kitaaba abboommi kudhan irratti, fi walddaa Israa'el irratti, facaase, akkana jedhe,* ***" kuni dhiiga kakuu Waaqayyo isin wajin godhe dha." Ba'uu 24:4-7.***

*Dhiigni otoo hin dhangal'in dhiifamuu cubbuun hin jiru. Ibroota 9:22.*

→ ***Kana irratti dhaabbanne, wantoota murteessa ta'n lamaan ni ilaalla.***

1. Ennuu illee seera raawwachuudhaan akka fayyuu hin danddeenne beekuu qabna! Isaan seera raawwachuudha abdatan hundinuu kan abaaramani dha. Gala 3:10. Seerrii kan kan keenamee, cubbuu ibsuudha!

2.Inni namaffaan yaada keessa qbuu nurra jiruu immoo, garoora fayinna qopheesse Waaqayyo ta'u isaadha.

Waaqayyo tokicha inni jidduu dhaabbatee Waaqayyoo fi nama walitti fidus, tokicha,inni immoo Kiristos Yesus isa nama ta'ee mul'ateedha.6 Inni furii namoota hundumaaf ofii isaa dabrsee keenne, kunis yeroo isaatti dhugaa baafame.( ixim 2:5,6.)

Waaqayyo isin haa eebisuu. Milkaa'a, Waaqa hundumaa danda'a ta'e fula isaa isiniif haa ibsuu.

**KUTAA TOKKOO FFAA BARUMSA 39 FFAA**

**GABATAAN ABBOOMMII KUDHAN CABUU ISA**

**BA'UU 32**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoottan dabran sadan keessa Waaqayyo Tullu sinaa irra abiddaafi ibsaa blaqqeessa keessaa, Israa'elotatti mul'ate **abboommilee qulqulluu** kudhan isaaniif keennuu isaa agarre turre.Akkasumas, Sinaa keessa **Iddoo arsaa** qopheessuudhaan, horii yookiin binleeda mudaa yookiin immoo haanqinna hin qbnee aarsaa godhani akka dhiyeesan isaanitti dubatee ture.

- Waaqayyo aarsaa horii sanneen maaliif abboome laata? Inni qulqullu waan ta'eef , akkasumas dubiin isaa qulqulluun akkana jedha:

  Namni tokko seera keessaa warra kaan hundumaa eegee tokko yoo cabse, akka waan hunduma isaanii cabseetti yakkii itti murama; cubbuu can hojjatuu hundinuu, seera malee ni jiraata,cubbuunis seera malee jiraachuudha. (Yaaqoob 2:11,1yoh 3:4). Waa'e kanaatiif, Israa'eloonni seerawwan raawwachuu waan hindanddeenyeef, horii isaani keessaa isaan madaa yookiin isaan hin cabnee aarsaa godhani dhiyeesutu isaan irra jiraata jechuudha. Horii suneenis **iddoo nama yakamaa sanatti** aarsaa ta'ani ni dhiiyatu jechuudha.

- Barnumsa keenya hardhaa keessa immoo "**abboomilee cabaa"** yookiin dadarbaman ni ilaalla. Yeroo seera Waaqa irraa fudhatanitti, gammoojjii Sinaatti buufatani turan. Me macaafa Toraah haa ilaallu:

  Ammas Waaqayyo Museedhaan, " Tullutti ol ba'ii gara koo kottu, achi turi! Ani gabatoota dhagaa, seeraa fi abboommi sabnii kun ittiin gorfamuuf,ani irratti caafee sitti nan keenna" jedhe. Lakka. 13 kana irratti Museen, Iyaasuu gargaartuu isaa, wajjiin ka'ee, Tullu Waaqayyootti ol ni ba'e.Inni jaarsoolii sanaan, " hamma nyi deebinee gara

keessan dhufnutti , asitti nu eegaa! Kunoo Aroniif Huur isin bira Jiruu namni dubbiin isa argate, immoo isaan biratti, haa dhi'aatu!" jedhe ture. Yommuu Museen gara Tulluutti ol ba'ee booddee dumeessi Tullicha ni uffise. Duumeessi bultti ja'a ture, guyyaa torbaffaatti Waaqayyo, duumeessa keessaa Musee ni Waame. Gulfiinni Waaqayyoos, Israa'elootaaf akka abidda nama nyaatu fakaate.Museenis duumeessa keessa seene. Achittis **halkan afurtamii fi guyyaa afurtami** ni ture.

- Amma Mussen Bultti 40 Tulluu Sinaa irra ture, garuu, warra Tulluu jala isaa eggatanitti maalttuu qonname laata?Obsaan Waaqa eggachuun baayyee nama qora. Akkuma salphaatti namni abdii kutachu nidanda'a;
- Ba'uu 32:1,Museen dafee Tulluu irraa akka hin dhufnetti yommuu ilaalan, Aroniin marsuudhaan, akkana jedhan, , " kottuu Waaqa nu dursee deemuu nuf hojjadhu. Museen namichi Gibxii keessa nubaassee maal akka ta'ee hin beennu." Aronis akkana jedhe , " warqee gurra hadha warraa keesan, ilmaan dubaraa keessani naaf fida." Lakka. 3 kanaaf namoonni hunddii warqee isaaniif Aroniif keenan. Aronis waan harka isaani irra jiruu fudhe, baqsee, waaqa tolfamoo godhee fakki dibichaatiin hojjate. Inis, Kuneen " waaqa keessani, Yaa Israa'el isaan Gibxiidhaa isin baasani dha" isaaniin jedhe.
- Argitani Yaa saba Waaqayyo, waan Waaqayyo dubbate hundumaa ni raawwanna! jedhani erga dubatan, yeroo muraasa booda, abboommii jalqabaa fi lammaffa cabsan. Anamalee Waaqooli gara iraa ufii keesaniif hin godhatiina ! isa jedhuu cabsan. Dibichi Warqeedhaan tolfame, Gibxii irraa argani ture.
- Israa'eloonnni Waaqafi dubbii isaatti dafani maaliif dudda gara galani laata? Isaan kan barbaadan Waaqa ijaan muldhatuu dha. Bara ammayyaa kana keessa iyyuu namoonni dubbii Waaqayyo dhisuudhaan gara adaa akkuma deebi'anii dha jechudha.
- Erga Aron warqee baqsee waaqa isaan gaaffatan erga tolchee booddee maaltu ta'e?

Lakka 5 Aron kun akka tolfamee argeetti, iinnis fula dura jibichaatt iddoo aaarssa ijaare akkana jedhe labsee; " boruu waaqayyoof cidha guddaa gona." Boorumttaa isaaUmmanni barii ka'anii aarsaa gubamuufi aarsaa aaraaraas ni dhiiyeesan. Ergasii, guyyaa itti anuutti isaan nyaataafi dhugaatiif gad taa'an, gara- malee sirbuufis ni ka'an. Ba'uu 32:5-6.

- Dugumaa cidha akkasi yookiin ayyaana akkasi Waaqayyo ni barbaada? Isaan kan cabsan, abboommii tokkooffaa fi lammaffaa qofaa oto hintaane, abboommi sadaffaas cabsani tura. Maqaa koo Waaqayyoo akkanuumaan hin dha'ina. Keessi isaani Waaqa irraa fagaateera, garuu afaaniin maqaa isaa waaman.
- Ba'uu 32:7 Waaqayyoos Museedhaan akkana jedhe, ummanni kee isaa biyya Gibxii keessaa baafte, manca'eera. Isaanis dafnii abboommi isaaniin abboomee irraa gara booddee deebi'ani waaqa tolfamoo warqee baqsani fakki jibichaatti ufi isaaniitiif hojatani jiru. Isaanis isa waaqeessani aarsaas isaaf dhiiyeesani, yaa Israa'el kuneen waaqa Gibxii keessaa isin baasanidha jedhan. Sabni kun mata jaeeyyii ta'u isaani argeera. 10 ariin koo isaan irra boba'ee, akkan isaan fixutti no dhiisi! Si garuu abbaa saba guddaa sin godha" jedhe.
- Ba'uu 32:11 Museen aari Waaqayyo goftaa isaa qabbaneesuudhaaf, " Yaa Waaqayyo ,maaliif aariiin kee saba kee isa human guddaadhaa fi irree cimaa dhaan biyya Gibxii baafte kana irratti akka boba'u goota ree? Warrii Gibxii , Waaqayyo durumaa iyyuu yaada hamaadhaaf tulloota irratti isaan fixuudhaaf,lafa irraa isaan balleessuudhaaf achii isaan baase, akka jedhan maaliif goota ree? Waga isa wuseen waggee Waaqayyo dhaga'ee lakka. 14 yommuus Waaqayyo hamaa isa saba isaa irratti gochuu yaade sana ni dhiise. Museenis gabateewwan seeraa lamaan fudhee Tulluu irraa gad bu'e. Isaan irrattis bitaanii fi mirgaan itti barreeffamee ture. Cidha Aronii fi Israa'eloonni qopheessan irratti, yommuu Museenii fi Iyyaasuun deebii'an dhaga'an qoqa mo'ichaa yookiin hin jifamuu hin turre, garuu sirba ture.Museen qoqa sana wayita dhaga'ee gabateewwan harka isaakeessa jiran, Tullu jala ariidhaan cacabse, waaqa tolfamoo waree baqsani tolchanis abiddaan ni gube. Cacabsee hulleesee bishaaniin make ummanni Israa'eel akka dhuguu ni godhe.
- Ba'uu 32:19-35, Aron ummanni akka isa dirqisisee hojjatetti Museetti ibse, lakka 25 Museen yommus sabni kun gad dhiisatti akka jiraatan, Aaronis kanatti akka isaan dhiise, diinoota isaanii, birattis muka ga'oo akka ta'an ni arge. Lakka 27 Innis isaaniin Waaqayyo goftaan Israa'el,tokkon tokkon keessan billaa keessan hidhadhaati iddoo buufataa keessaa balabala isa tokkoo jalqabdanii hamma balabala isa kaanitti achii adeemaa as deebi'aas! Adduma addaan obboolota keessan olloota keessan,firoota

keessanis ajjeesaa! Isiniin jedheera. Jedhe.**Guyyaa sanatti namoonni 3000 du'an jechuudha.**

- Ergasi Waaqayyo Museetti dhagaa biraa akka qopheessu isa ajaje. Waaqayyos deebisee lammaffaa itti bareesse. Isaan seera dhunffaa isaani qopheessuuf yaadan, garuu, karaan isaan filatan immoo karaa badii ni ta'a.
- Yeroo keenya taanaan, qabeenya keeny taanaanis, isa iddoo Waaqayyootti buufanuu waaqa tolfamoo dha.

*Sabni kun afaan isaatiin ulfinna anaaf kenna, garaan isaa garuu, baay'ee anatti fagoo dha; ana Waaqaeessuun isaanii akkasuumaan;*

*Abboommii namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu isa jedhe ba'eessa dubbate jedhe. (Maatt. 15:8,9)*

Egaa michota koo waaqa tolfamoof sagaduu irraa fagaadha. Isin warri hubatootti ni dubbadha. Waanan dubbadhuu immoo isinumatti farada! 1qor 10:14-15.

Yaa ijoollee koo waaqayyoolii tolfaman irraa of eeggadhaa! (1 Yoh5:21).

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 40 FFAA

## DUNKAANA YOOKIIN WAAROO WALGEETTI

## BA'UU 24-40, LEEWTA 16

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota daabree keessa, Israa'eloonni akkamitti Waaqa garbummaa Gibxii irraa isaan bilisoomse irratti dugda gargalan agarree turre. Museen dubbii Waaqayyo fiduudhaaf Tullu Sinaa yommuu ol ba'uu, Israa'eloonni immoo Aroniin dirqisisani waaqa tolfamee fakeenya jibichaan hojatamee argachuu akka barbaadan agarre turre. Wantta ijaan muldhatu barbaadan.

- Hardha immoo waa'ee dunkaana yookiin waaroo walga'ii ni ilaalla.Ba'uu 24:16, Ulfinni Waaqayyo Tulluu Sinaa irra ni buufate, duumessis guyyaa ja'a tulicha ni uffise; gaafa guyyaa torbaffaa Waaqayyo dumeessa sana jidduudha Musee ni waame.Yeroo kanatti ulfinni Waaqayyoo akka abidda nama nyaatuu, fiixee tuulluu sanaa irraa saba Israa'el duratti ni mul'ata ture.Museen Tuulluu sanatti ol ba'e duumeessa sana jidduutti seene, guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama Tulluu sana irra ture.
- Ba'uu 25:1 Waaqayyo goftaan Museedhaan akkana jedhe, Isra'eloonni keennaa anaaf akka keenanitti itti himi; nama garaan isaa akka keenuuf ajaje, hundumaa irraa keennaa sana fudhaaa! Wantti isin isaan harkaa fuutan warqee,meetii, sibiila boorrajii,lakka 4 uffata jirbii bifa, waaqaa,dhiildee,bildiimaa,quncee talbaa gaarii ,refeensa ree'ee , lakka 5 googaa korpheessa hoolaa diimeffame, raroo hoolaa bishaanii, muka laaftoo, lakka 6 dhadhaa ejarsaa ibsaadhaaf,,dhadhaa ejarsaa akka dibatamuuf, ixaana foolii tolee fi urgooftuu, lakka. 7 callee sardoniiksi,callee gatii jabeessa,kan biraas dirata fuula duraa fi qomee akka gaachanaattii kaa'amuu dha. Lakka, 8 ani isaan jidduu akkan jiraadhuuf isaan godoo qulqull'aa anaaf haa ijaaran! Lakka 9 Iddoo buufataa sanaaf mi'a isaa hundumaa akka fakkeenya isa ani sitti argisiisuutti hojjedhu!

- Waaqani hundumaa qabuu, hundumaa danda'uu, ilmaan Addaam wajjiin maaliif jiraachuu, akkasumas haasa'uuf barbaade?
- Jalqabatti wayita Waaqayyo nama fakaatti isaatiin uumuu, isa wajiin akka jiraatu ture, isaan garuu tokkuummaa yookiin hariiroo Waaqa wajjiin argatan cubbuudhaan boreessan. **Hariirata kanas, haareessuudhaaf Waaqayyo dunkaana yookiin waaroo walga'ii garaa Museetiin akka qophaa'uu ni ajaje.** Dunkaan yookiin waaroo walga'ii keessaa , saba isaa Waa'ee isaa fi fayisaa ilmaan Addaam hunda barsisuuf qopheesse.
- Inni Waaqa qulqulluu guddaa guddaa calluu dunkaana sana keessa hin jiraatu, eegaa maaliif akka hojjatan ajajeeree?

Waaqayyo , Bantiin Waaqaa, teessoo koo ti, laftis ejjeta,miilla kootii ti, eessatti mana anaaf ijaartu? Iddoon boqonnaa kootiis eessa? Isaa 66:1.

- Akkuma armaan olitti ilaaluudhaaf yaalleetti, ilmaan namaa wajjiin hariiroo yookiin fiirooma waan barbaaduuf isaan barbaasuuf jedhe dunkkaanni walga'ii barbaachise. **Akkasumas, namoon garaan dhiifama cubbuu akkama akka argamuu isaan barsisuudhaaf Waaqayyo dunkaana waalga'ii akka qopheessan ajaje.**

- Waaqayyo Musee fi Israa'eloota Isaan wajjiin jiraachuuf jedhe dunkaana akka qopheessan isaan ajaje.
- Walumaa galatti waa'ee dunkaana sanaa kutaalee lama akka qabuu ni ilaalla. Kutaan 1. tokkooffaa, **iddoo qulqulluu jedhama. Kutaa kanatti Luboota qaalloota malle eennuu illee hin seenu.** Luboonni Qaallooni sunis sanyii leewii keessa filatamani aarsaa qalmaa dhiiyeesani dha. Idoo qulqulluu sana keessa immoo, wantoota sadan jechuunis **gabaatee warqee** isa aarsaa hixaana itti aarsan; **ibsaa zayiti**, fi **gabaatee,** daabboo addaa irra kaa'ani wayita sirna waaqeeffannaatti dhii'aatu ture.
- 2. Inni lammaffaa immoo kutaa lammaffaa dha, hundumaa irraa qulqulluu jedhama. Erga dunkaanni hojatame raawwatamee boodde ulfinni Waaqayyo keessa gutuuf hundumaa irraa caala qulqulluu ni jedhama. Innis fakkeeffama Jeennataa yookiin samii dhaa jechuu ni danddeenya. Waaqayyoon malee ennuu illee isa keesa hin seenu. Namni tokko achi keessa yoo seene ni du'a jechuudha. Lubnii/ Qaalluun qaalloota,

waggaatti ala tokko qofa ni seena jeechuudha. Yommuu ol akkuuma Waaqayyo ajajees, galuus cubbuu isaatii fi cubbuu walddaa israa'elitiif aarsaa dhiigaa fudhee ni seena ture.

- Iddoo hunduumaa irraa caalaa qulqulluu ta'eetti, Waaqayyo saanduqaa kakuu akka ol kaa'uu ajajeen ture; sanduuqa sana keessa, gabateewwan dhakaa lama, abboommiin kudhan irratti barreeffaman, saanduqaa irratti isa aarsaan dhiigaa luba lootaan irra facaafamuu warqeedhaan dibameera ture. Mataan saanduqaa warqii dibamee sunis araara cubbuu jedhama. **Afaan wolof Afaan seenegaaliitiin, iddoo aaraaraa jedhama.**
- Nanoon dunkaanaa, girdoo adiidhaan naana'uu qaba; innis balbala tokko haa qabaatu; balbala sana dura, iddoo aarsaa Naahaasa irraa hojatamee akka kaa'uu ajajeen. **Kanaaf aarsaa dhiiyeesuudhaan gara Waaqayyo dhiiyaatan.**

*Lubbuun uumama foon ufatee dhiiga keessa waan jiruuf,fure kan ta'us dhiiga waan ta'eef, inni fuure lubbuu keessanii akka ta'uuf iddoo aarsaa irratti ani Waaqayyo isa isiniif keneera. Leewot 17:11.*

- *Israa'eloonnis, mataa mataatti, irra deedeebi'uudhaan aarsaa sana wareegan ture. Aarsaan hoorii qulqulluummaa Waaqayyoof qufsaa miti. Isaanis gaadisa ta'anii fayisaa dhufu ni agarsisuu turan.*
- *Lubni Lubootaa/Qaalloota, ji'a onkoolooleessa keessatti gutummaa Isaa'eliif mataa saanduqaa isa warqeen dibame irratti dhiiga facaasa.*
- *Ergasii dumeessis dunkaana itti wal ga'anitti uffise, ulfinni Waaqayyo godicha irra waan tureef,ulfinni Waaqayyoo godoo sana keessa waan guuteef, dunkaana itti wal ga'an sana keessa lixuu hin dandeenye. Ex40:34.*
- *Fayisaan inninuu dunkaana walga'ii ture. Karaa Waaqayyo wajjiin firoomnu jechuudha.*

*Sagalici jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyo bira ture; sagalici ofii isaa Waaqayyo ture……lakka. 14. Sagalichis nama foonii ta'ee, nu jidduus ni bufate…. Lakka.29 borumtaa Yohannis utuu yesus gara isaa dhufuu argee, Ilaa hoolaa Waaqayyo , isa cubbuu biyya laffaa irraa fudhu.*

*Badhaadhummaan aaraara Waaqayyo hammam guddaadha! Ogummaan isaa fi  beekumni isaa hammam gad fagaata! Akka inni murtoo godhu, namni qore, bira hin ga'u! karaa isaas namnifaanadha'ee hi hubatu! Caaffata keessatti iyyuu, "  Enyutu takkaa yaada garaa Waaqayyo beekeeree? Yookiis enyutu gorsa isaaf keeneeree?... lakka. 36  Wanta hundumaa Waaqayyo tu uumee;wanti hundumaa isaan jiraata, wantihundumaa isaaf ni jirata; bara baraan isaaf galanni haa ta'u! Ameen! Rooma 11:33-34.*

**KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 41 FFAA**

**AMANUU DHIISUU ISRAA'ELOOTA**

**Lakko. 13, 14**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

→ Ammas it fufuudhaanis kitaaba torhaa ilaalla, akkuma asin dura ilaalleetti, kitaabni Torhaa, kitaabilee shan uf keessa qaba; **Seera uumama keessa**, cubbuun biyya lafaatti akamiin akka seenee ilaallee turre. Kana irratti ilmaan Addaami murti baba baraa irraa olchuudhaaf, Waaqayyo akka karoorfatee ilaallee jirra. Fayisaanis, fannoo irra du'uu dhaan biyya lafaa hundummaa ni fayisaa jechuudha.

→ **Ba'uu** kitaaba lammaffaa keessa immoo, Waaqayyo dhaloota Abrihaam, waanjjoo garbuummaa Gibxii keessaa akamiin Musee Raaagaa isaaniin gargaaramee akka isaan baasee agarree turre. Gamujjii keessa gara Tuulluu Sinaa lafa seera isaa isa karaa Haqa barisuu,isaan karaa isaaniif keenneetti gageesse.Seerawwan kudhan keenuudhaan, aarsaa dhiigaa dhiifama cubbuuf ta'u isaaniif keenne.

→ Sadarkaa Sadaffaatti Waaqayyo Museen **dunkaana yookiin Waaroo walgeetti** isaan wajjiin akka jiraatuuf akka hojjatan qopheessu isaa ni ilaalla.

*Dumeesis dunkaana itti wal ga'anitti uffise, ulfinni Waaqayyo godicha keessa gutue. Ba'uu 40:34.*

**Dunkaanni suniss hoorii aarsaa isaa wajjiin akka gaaddisaaf if akkeenya ta'ee, Waaqa irraa gara biyya lafaatti dhufudhaan, dhiga isaa loolaase, namoota hundummaa cubbuu isaani irraa ni olacha.**

→ Kutaan sadaffaa yookiin kitaabnii sadaffaa Toraah immoo kitaaba Leewotaati, Kitaabnii kun immoo Israa'eloon akkamitti aarsaa cubbuu garaa agaraa Waaqayyoof dhiiyeessan

gadii fageenyaan lafa kaa'eera. Jechoonni lamaan kitaaba leewoota walitti cunfani jenne fudhachuu ni dandeenya. Isaanis jecha "**QULQULLUU"** fi jecha "**DHIIGA**" jedhani dha. Baayyee barbaachisaa waan ta'aniif immoo deeddeeb'aniif barreeffamani jiru. Dhiigni dhangala'uu malee, dhiifamni cubbuun hin jiru, Ibroota 9:22. Kana jechuun aaraarii dhiiga malee hin ta'uu jechuudha.

→ Mee amma kutaa arfaffaatti darbinee , kitaaba arfaffaa kan ta'ee Kitaaba Lakkoofsa jechamuu haa ilaallu.Israa'eloonni biyya gammoojjii keessa akajiiraataniif kaayyoo isaa hin turre. Kanaaf dafani akka ba'anii gara lafa kakuu kani'anitti akka imalan ajaje. Duumeessaanii fi uttubaa abiddaatiif inniinuu isaan geeggeessaa ture. Aduun isaan hin mine, dukkannis isaaniif danqaraa hin turre. Isaanis daanggaa Israa'el dhaqaban, yeroo sana biyyii kana'aan namootaan qabamee ture. Namoonni sunis guddaa jaboo turan. Israa'eloonni human maalitiin isaa mo'achuu danda'uu ree laata? Haa ta'uu malee, inni biyya sana isaaniif keenne, isaan wajjiin jira! Ameen.

→ Nam.13:1 Waaqayyo Museedhaan, " angafa hundumaa addaan anaaf baasi! Israa'eloota keessatti, namni, horiinis karra-saaqii kan ta'e hundinuu kan koo ti" jedhe.Lakka 3 Museen yommus Jaraan , " Waaqayyo irree jabaadhaan achii waan isin baaseef,guuyyaa itti mana, garbummaa biyya gibxii keessaa baatan kan yaadadha! Kanaaf namoota kudhala museen gara kana'aan lafatti akka basaasaniif erge... isaanis deemani biyyicha sakata'ani . Dhuma guyyaa afurtamaffaatti, isaan immoo lafatti sakat'ani ni deebi'an. Gammoojjii Paaraani Qaadeeshi keessa, Museenii fi Aroniin gara ummata Israa'eli deebii'ani dhufan. Isaanis, ija biyyattiin keenitu gabaasuudhaan isaaniif ibasan. Isaaniis qabatama achitti argan hundumaa ,akkana jedhani ibasan, biyiti, annaniifi damma akka bishaani baafti, **garuu namoonnii keessa jiraatan, jaboo fii madaalatiin akkamalee dallaa gimbiidhaan ijaaramtee** dha. Irrattuu sanyii Anaaqii isaan hojjaan isaani dheeraa ta'e iyyuu ilaallee ni jirra.

→ Nam 13:31, **Kaaleb** isaan basaasaa dhaaf deeman tokko turee, inis namoonni akka cadhisan godhe, " deemnee qabeenya biiyyatti dhaaluu qabna, **kana immoo raawwachuu ni dandeenya"** Jedhe. Garuu namoonni isa wajjiin deemani turan immoo, " namoota kaneen isaan nurraa caalaa jabaa waan ta'aniif isaan waraanu hin dandeenyu ! jedhani dubbatan. **Isaanis ummata israa'el jidduutti waa'ee lafa basaasani gabaasa hamaa facaasan**, akkana jedhanis, " biyyattiin namoota ishee keessa jiraatan ni liqimsiti,

namoonni lafa sana keessa jiran hunddii hojjaan isaani guddaa dha. Nifliimoota isaan jdhaman achitti argineera isaan duratti , yeroo tokko tokko nuti akka Quruphisaa ti.

→ Dubbii isaani irraa kan ka'ee, ummanni hundinuu qoqa isaani ol kaasani boo'an, Lakk. 14:1. Isaanis Musee fi Aron irraa gumgumani,, akkanas jedhan, biyya Gibxii yookiin, gammoojjii keessa otoo dune nuf wayya! Waaqayyo as nu fidee akka albee dhaan akka dunuutti nu dhiise? Hawwoonni fi ilmaanni keenna nyaata diinaa ta'u manna, gara Gibxii deebi'uu nuf hin wayyu?

→ Isaan basaasan keessaa Kaaleebii fi Iyaasuun keessa waan turaniif namoota yookiin ummata jajabeesuudhaaf yaalan,lakka 6-9 hin sodaatinaa isaan nu akka bideenaa nuf ta'u. **Humni isaani isaan irraa sokkeera, Waaqayyo immoo nu wajiin jira**.

→ Garuu gutuuummaan umataa isaaniin rukutudhaaf ka'e. lakka. 11,Waaqayyos, haga yoomi ummanni kun nu tufataa? Anatti amanus haga yoomii didaa? Jedhe Waaqayyo. **Sababiin isaas dubbii Waaqayyotti waan isaan hin amanneef ture.**

→ **Ibroota 3:7 hardha qoq isaa wayita dhageettan, garaa jabeeyi hin ta'in! Dhaloonni yakkamaafi hinamannee Waaqa jiraata irraa dudda deebise.**

**KUTAA TOKKOO FFAA BARUMSA 42 FFAA**

**BOFA NAAHASA**

**LAKOOFSA 20,21**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- Barnoota darbe keessa kitaaba Toraah kutaa arfaffa,macaafa Lkkofta agarre turre. Lafa Waaqayyo Abrhaam, Yisaaqi fi Yaaqoobiif ilmaan isaatiif kakateetti daanggaa kana'aani dhaqabani turan. Namoota jajaboo dursani achi jiraatan arii'ee isaaniif keenuuf Waaqayyo karoorfate ture. Haa ta'u malee Isaraa'eloonni namoota saneen jabiina isaanii waan arganiif Waaqayyootti amanuu didan.

  *Isin keessaa haarka koo guddaadhaan mana keessan akka gotan kakadhe, Kaalebii fi Iyaasuun kaneen hafuura addaa qabaniin ala hin galtan. Biyya alagaan ilmaan keenya nyaata godha jettani diidan sana ilmaan keessan ittiin akka badhaadhan nan godha. Lakka 14:30-32.*

- ***Waaqayyo isaan eebisuuf barbaadee garuu isaan immoo amanuu diduu isaani irraan kan ka'ee isaaniin eebisuu hin dandeenye.***
- *Lakka. 20:1 Israa'eloon eerga waggaa afurtam gammoojjii keesse imalan booda, Lafa onaa Ziin dhaqaban, iddoo jalbabatti , Waaqayyo ni seentan jedhee isaniif waadaa galee sana amanuu didan Qaadeeshiti bufatan.* ***Achittis, Maariyaam obooleetiin Musee Dutee awwaallamte.***
- *Qaadeeshitti, bisaan hin turre, ummannis walitti yaa'ee Musee irraa Fi Aroni irraa mufatan. Akkana jechuudhaan Musee wajjiin Wal dhaban, " otoo oboolaa keenya wajjiin dune maal qaba ture? Ummata hooii isaa wajjiin akka dhumuuf maaliif gamoojjii keessa fiiddaniin? Lafa dhiiphinnaa kana Gibxii baastani maaliif fiddan? "Miidhaan, harbuu,,wayiin, rumaaniis hin qabu; bishaan dhugani iyyuu hin jiruu," jedhan.*

- *Akkuma abbootiin isaani gumguman isanis itti fufan malee, baasa Waaqayyo isaaniif hojateef isa hin galateeffanne turan.*
- Bishaan dhabuun isani dhugaadha, garuu amanttaa waan hinqabneef Waaqa hin kadhanne turan. Waggaa afurtama isaan kununsee ture, garuu isa yaadchuu hinandeenye; kunis amanttaa dhabuu isaani agarsisa.
- Lakka.20:6. Museefi Aroniin waldaa irraa fagachuudhaan gara balbala dunkaana deemani, adda isaaniitiin gadi gombifamani, ulfinni Waaqayyos, mul'ate. Waaqayyoos akkana isaaniin jedhe, ulee kee fudhii ti obooleessa kee Aron wajjiin walddaa walitti qaba. Otoo isaan argani kattaatti dubbadhaa innis bishaan ni yaasa. Isinis waldaadhaa kattaa keessa bishaan ummataaf hoorii isaaniitiif yaaftu.
- Lakka 20:6 Kanaaf Museenis akkuma Waaqayyo ajajeen ulee Waaqayyo duraa fudhe. Museen obooleessa isaa wajjiin walddaa Israa'el kattaa dura walitti qabe, akkana isaaniin jedhe, "dhaga'aa, isin warra jal'otana, nuti amma kattaa kana keessa amma bishaan isini keeninuu? Jedhan. Museenis haarka isaa dirirsee kattaa sana yeroo lama rukute. Bishaanis akkamalee yaa'ee,ummannii fi loowwan isaani ni dhugan. Haata'uu malee Waaqayyo Musee fi Arooniif , **"qulqulluummaa kiyya ummata Israa'eliif ibsuudhaaf anatti waan hin abdanneef, lafa ani isaaniif keenne kanatti saba kana hin geggeesitani isaniin"** jedhe.
- Waaqayyo dubbadhuu isaan jedhe, Museen ajajameeree? Garuu ariidhaan yeroo lama katicha rukute. Jaldhiinni Musee, bishaan saba isaatiif hin dhorkine, garuu Mussen, hin ajajamne, kunis Waaqa abdachuu dadhabuu isaa agarsisa. Adabbiin Museen adabamee hammaataa ta'u ni danda'a, garuu wantti Waaqa gammachisuu amanttadhaa malee, dlagaa keenyaa miti. **Waaqayyo waan tokko illee taanaan dubbii isaatiin ala hin fudhatu jechuudha!**Museen akkuma warra kaani nama waan ta'eef karaa fayinaa beekuu barbaadaa waan raagaa Waaqayyo ta'eef of fayisuu hin danda'u.
- Lakka.21:4 Tullu Horebi irraa ka'ani gara galaana diimaa qaxxa murudhaaf imalan, …haata'uu malee **sabnii obsa** dhabee ture.Lafa onaa keessa nu fixuudhaaf Gibxii baaftanii maaliif nu fiidan? Miidhaan hin jiruu, biishaan hin jiruu, nyaata rakisaa kana nafnii keenya jibbeera.
- Lakka 21:6 eergasi Waaqayyo bofa garaa garaa isaanitti eergee, baayeen isaanis hiddamani du'an. Ummannis gara Musee dhufani ,nuti Waaqayyoo ttii fi si irratti

yakkiineera. Waaqayyo bafa kanneen nu irraa achi akka qabuu nuf kadhadhu jedhani gaaffatan. Kanaaf Museen isaaniif kadhate. Waaqayyos, bofa hojjadhuuti utuba irra fanisii, ennuu illee taanaan kan bofaan hiddamee lubbuudhaan ni jiraata. Museenis sibila Naahaasiidhaan bofa hojjate utubaa irra fanisee. Nmoonni hundiinuu kaneen bofaan hiddaman, wayita ol ilaalanitti ni fayyan.

- Israa'elonni akkamiin fayyan? Offii isaani fayisanii laata? miti. Wantti isaan hojjatan, gara Waaqayyo iyyuu qfaadha!
- **Israa'elonnii du'a irraa miliqudhaaf maal godhuutu tu isaan irra jiraata?** Dha'icha isaan irra dhufee sana irraa ufii isaani hanbisuu danda'u laata? miti. Suummii isaan akka malee balleessuu irraa ufii isaani alchuu danda'uu laata? egaa maal godhuu qabani ree? **Gara Waaqayyoo hundummaa dandda'u iyyuu!** Isaan kan godhuu danda'an kana duwwaadhaure. ! Isaanis gara Musee dhaqani nuti Waaqa irratti cubbuu hojjanneerra, bofa kanneen nu irraa akka fageessuu gara Waaqayyo nuf kadhadhuu jedhani kadhatan.
- **Egaa Waaqayyo maal godhee?** Bafa sanneen arii'ee ture? Miti. Garuu wantta kan caaluu isaaniif hojatee? Innis naasii irraa Bofa hojatee utubaa irraa fanisuu dhaaan," **namni bofaan hiddamee ennuu illee yoo garaa boficha naasi irraa hojatamee ol mil'ate lubbuudhaan ni jiraata**".Kun arjummaa Waaqayyo ture. Tarkaaniif nama bofaan hiddamee gara Bafa naasiichaan hojatameetti ilaaluudha. Walabummaan Waaqayyo ilmaan namaatiif qopheesse. ARGAATI JIRAADHA!
- **Warra arguuu didaniitti maaltuu ta'e?** baalaa hamaatiin rukutaman. Waan Waaqayyo abdachiseef isaan gara bafa sibilaan hojatameetti ol ilaalanitti fayyani, miliqani.
- Kana irraatti Waaqayyo hunddii keenya akka ummata israa'eloota akka fakkanuu nubarsisa. Yeroo baay'ee Waaqaaa fi nama irratti gumgumuudhaan yaadaafi hojii keenaan Waaqa gaddiisisna. Seexannii immoo Bofa isa suummii hamaa qabuu ta'uudhaan saba Israa'el hidduudha ture. Cubbuun akkuma summii ta'e isaan fixuu ture. Oto Waaqayyo karaa haqa qopheessuu dhaa baata seexannilmaan namaa lafa irraa ni fixa ture. Gatiin cubbuu immoo badii bara baraati, kana irraa immoo karaan itti miliqnuu tokko illee hin jiru.
- Ameen, Waaqayyoo arjaan karaa haqa nuf qopheesse.

*Museen lafa onaa keessattti bofa sibiila diimaa muka irratti akka ol fuudhe ilmii namaas immoo akkasuma muka irratti ol fudhamuun ni ta'a,… Waaqayyo akkasitti tokicha ilma isaa hamma keenufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf ta'a. yoh 3:14, 16.*

Isin warri andaara lafaa jiraattan hundinuu, gara koo tti deebi'aati fayyinna argadhaa! Ani Waaqayyoo dha ana malees kan biraa hin jiru; (Isaa. 45:22).

Waan nu dhageessaniif galatoomaa, Waaqani arjaan fula isa isiniif haa eebisuu, milkaa'a!

**KUTAA TOKKOO FFAA BARUMSA 43 FFAA**

**EERGAA MUSEE KAN DHUMAA**

**KEESSA DEEBII**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- ✓ Waggaalee 3500 dura Waaqayyoo, garbicha isaa Musee keessa yaada isaa kaa'uudhaan kitaabilee Toraah akka barreessuu gargaareenii ture.Kitaabileen kunneenis, Waaqa irraa waan dhufaniif dhugaa dhas, akkasumas dubbii dharaa isaaniin sakata'uu ni danddeenya jechuudha. Waaqayyoosa ufii isaa wajjiinis wal hin faalleessu.
  *Waaqayyo akka namaa miti, inni hin sobu, gaabbuudhaafis inni ilma namaa miti,*
  *Inni wanta jedhe hin godhuu ree?*
  *Wanta dubbatees hin raawwatu ree? Lakka 23:19.*
- ✓ Karaa kitaabilee Toraatiin Waaqayyo dhiksaalee hedduu nuf ibseera, oto kitaaba Toraah nin golabiniin dura, Kitaabilee Toraah irra deebinee haa ilaallu.
- ✓ Kitaaba Toraah jalqabaatti, Waaqayyo haariiroo yookiin firooma ilama naa wajjiin ijaaruudhaaf jedhe fakkenya ufii isaatiin nama uume; Isas akka akka beekudhaaf **sammuu yookiin haafura** lubbuu isaa keessa kaa'ee, Waaqa isaa akka jaallatu immoo **miira yookiin onnee** lubbuu isaa keessa kaa'ee, akkasumas Waaqa isaaf akka abboommamuu immoo **fedhii filannoo** lubbuu isaa keessa ni kaa'e jechuudha.
- ✓ Booqonnaa sadaffaa keessatti immoo, uumamni jalqabaa, seexanaa fi yaada isaa yommuu filatu ni ilaalla. Cubbuun karaa nama tokkootiin gara biyya laffatti dhufe, gatiin cubbuunis immoo du'a dha. Rooma 5:12.
- ✓ Kana irraa kan ka'ee namni cubbuu isaa waliin Jeennata keessa akka hin jiraaneef Waaqayyoo Addaamii fi Haawwaa dawoo sana keessaa baasse. Balbala irrattis eergamaa isaa kaa'e. Bara eegaree fayisaan ilma namaa dhuffee balbala jireenya bara baraa akka banuufis Waaqayyo karoorsee ture.
- ✓ Itti ansuudhaanis Waaqayyo, Abrhaamiin Waamee akkamitti saba guddaa isa taatifatee agarree turre; bara duluma isaa keessa Abrhaam Yisaaqiin arggatee, Yisaaq immoo

Yaaqoobiin argatee, ilmaan Yaaqoob kudha lamaan irra Waaqayyo kakuu isa  yafisaan ilma namaa hundumma  keessaa ba'aa  iedhee Abrihaamiif kakatee sanas ni raawwate galanni Waaqayyoof  haata'u.Garuu ilmaan Yaaqoobii kudhan obooleessa isaani Yoseefi biyya Gibxiitti garbummaaf gurguran;

*Namnii waanuuma facaasee sana ni haama!  Gala 6:7.*

Balaa kanaa  ilmaan Israa'el biyya Gibxiitti garbuummaaf gurguraman. Haata'u malee, Waaqayyo kakuu isaa Abrhaamiif kakatee hin irraanfanne ture. Musee garbicha isaa kaasuudhaan cunqursaa alagaa irraa isaaniin walaboomse.

- ✓ Lafa gammoojjii keessa Waaqayyo isaan  wajjiniin ture, isaan garuu amanamuummaa dhabuudhaan Waaqa gadisisan. Kunis baay'een isaani karaatti akka haafan isaan godhe;

*Inni kattaa jabaa dha; wantti inni godhuus mudaa hin qbu, jal'inis isa keessa  hin jiru,inni dhugaa qabeessaa fi  qajelaa dha.  Keessa deebii 23:4.*

- ✓ Barumsa isa Xumuraa keessa Waaqayyo seera Waaqayyo qulqulluu ummata Israa'elitiif irra deebii'ee ni ibsa ture. Barnoota isa bu'ura ta'ee kanaanis lafa Waaqayyo abbooti isaanitiif kakatee galuudhaaf akka qoqoopha'an isaaniitti lalabaa ture. Dhaamsii kitaaba Toraah Keessa Deebii  kan calalee akkana jedha  "**hin dagatiinaa!" isa** jedhudha.

1. Biyya Gibxii keessa garboota ta'uu isaani.

2. Gochaa Waaqayyo karaa isaani irra raawwate.

3. Cubbuu Waaqa irra yakiitan hundda hin irraanfatiina.

4. Amanmuummaa dhabuu isaani irraa kan ka'ee abooti isaani akka adabee hin irranfatiina. Sababii cuubbuu isaaniitiif reeffii isaani lafa onaa keessa kufee haafuu isaa jechuudha.

5.Waaqayyo abooti isaaniitiif arjummaa baa'isuus isaan mata jabeeyyii ta'uu isaani  hin dagatina!

6. Isinis akka abooti keessan ajajamuu yoo diddan akka adabamtan hin dagatina!

- ✓ Lalaba kana eerga fixee booda  Waaqayyoo Museedhaan akkana jedheen.

Waaqayyo Museedhaan gara Tuulluu Neboo  biyya iyyaariikoo jiruu irra ba'ii! Biyya kana'aani ani Ummata israa'elootaaf keenuuf jiruu  ilaal jedheen. Tuulluu baatee sana irrattis ni dutaa jedheen. Kunis , lafa onaa keessa Israa'eloota duratti atiif obooleessi kee

Aron anaaf ulfinna keennuu waan hin danddeenyeefi jedheen. Biyyatti ijaan argita malee keessa hin galtu. Keesa 32:49.

Waaqayyoos Tuulluu naboo irraa biyyatti itti agarsisee, Museenis achitti du'ee ilmaan Israa'elootaas isaaf bultti 30 ni gaddan. Iyyaasuunis bakka isaa bu'ee,Museen haarka isaa irra waan kaa'eefhaafura ogummaadhaanis guttame. Israa'eloonnis isaaf ajajaman, waan Waaqayyoo isatti himehundumaa raawwatees.

*Ergasii raajiin Waaqayyo fuula fuulaan beeku ,kan akkaMusee takkaa Israa'el keessatti hin kaane. Keessa Deebii 34:10.*

- ✓ Kitaaba Keessa deebii keessatti 18:15, dubbii Waaqayyo isa murteessa ilaalla; Waaqayyo goftaan keessan isin jidduudhaa, oboolota keessan keessaa, raajii akka kootii isiiniif ni kaasa; isin isaaf dhaga'aa!
- ✓ Kana jechuunis raajii maaliif kaasuudhaaf barbaadee laata? Isaan Tuulluu Horeb irratti nuti waan dhumnuuf nutty hin dubatiin jedhani Waaqayyootti Waan bo'aniif ture. Waaqayyoos wantti isaan jedhan dhugaadha; jechuudhaan raajii isaniif kaasse; lakka .18. … nabiyyii sana afaan isaakeessa ani dubbii koo nan kaa'a, innis waanuuma ani isaaf himee hundda isiniif ni huma. (18:19).
- ✓ Nabiyyiin ni dhufa jedhame karaa Museedhaan raagamee eennuu laata? yaadattaa? Innis durba irraa kan dhalate fanifamuudhaanis namoota hundumma fayisuu goftaa keenya yesusi dha!

**Yaa banttiiwwan waaqaa ani nan dubbadhaaa mee dhaga'aa! Yaalafaa dubbii afaan kootii dhaggeeffadhu! Barisii koo akka bokkkaa haa coccophu! Dubbachuun koos akka fixeensaa gad haa bu'uu! Akka bokkaa coccophuus biqiiltuu xobbee irratti,akka tiifuus marga irratt gad haa bu'u! Ani maqaa Waaqayyo nana labsa,isinis guddiinna Waaqayyyo keenya beeksisaa! Keessa deebii 32:1-4. Ameen!**

Nudhageeffatniif galatoona,Waan Waaqa arjaa ,namoota hundumaa jaallatu fula isaa isiniif haa ibsu! Milkaa'aa!

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 44 FFAA

## IYYAASUU FI BIYYA KANA'AANII

### IYYAASUU

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota dabree keessa Toraah kitaaba Musee, brreeffama raajii Musee jedhamee beekamuu golabne turre. Toraah irraas cubbuun biyya lafaa akaniin akka seene abaarsa akka fidee barane turre.Haata'u malee Waaqayyo jaalala ilmaan namaatiif qabu irraan kan ka'ee ilmaan Adaami fayisuudhaaf tarkaanfi godhatee keessa aarsaan bara baraa akka dhufu karoorfate.Kanas raawwachuudhaafis Abrhaamiin waame gara biyya kana'aani akka godaanu isaa godhe. Waaqayyoos saba guddaa isa fayisaan keessa ka'u godheeni. Abrhaamis biyya kana'ani tti eerga ga'ee booddee Waaqayyo itt fuldhatee, " biyya kana'aaani amma ati alagaa taatee kana sanyii keetiif dhaala bara baraa godhee ni keennaa! jedheen.

- Barnoota haardhaa keessa kakuu Abrhaamiif seene akkamitti akka raawwate ni ilaalla. **Museen** Tuulluu Naboo irraa Lafaa Israa'elootaaf Waaqayyo kakate Kaana'aan ijummaan ilaale akka du'ee agarree jirra.Eerga Museenis du'ee gargaaraan isaa **Iyaasuun** iddoo isaatti bu'ee uummata Israa'el akka gaggeesse akka ta'ees agarrre turre.Kunis Waaqayyoon isa mirkanaa'ee dha.
- Amallii Iyaasuu isa adda taasisuu, yeroo Israa'eloonni hunddii kakuu Waaqayyo ganan, Iyaasuun garuu, kakuulee Waaqayyo keenne hundumaa amanuu isaati. Yeroo Israa'eloonnii daangaa Kana'aan ga'an, basaastoota lamaan lafa kana'aan basaasan keessaa inni tokko ture. Isaan kakuu Waaqayyo akka amanan wayita isaan jajabeessuutti, dhakaa dhaan isaa rekutuuf, yeroo arriidhaan isatti ka'anii iyyuu ciniinatee isaan tajaajiluuf kutatee ture.
- Kitaabnii Iyaasuu akkamitti kakuun Waaqayyo Abrhaamiifi sanyii isaatiif kakatee raawwatamee ni agarsisa.Hamma isaan danggaa kana'aan ga'anitti lafa hin qaban turan.

Ani sanyii keetiif lafa Kana’aani dhaala bara bara godhee siif keenna.( Uumama 17:8).

Garbichii Waaqayyo Musee eerga du’ee booddee, Waaqayyoo goftaan,Iyaasuu ilma Nuniif, gargaaraa Musee tureef. Garbichi koo Museen du’eeraati, ati fi Israa’eloonni laga yoordaanoosi cee’uudhaan kana’aan biyya isaaniif kakadhee galuudhaaf qophaa’a. Lafa millii keessan eejatee hundumaa akkuma Museef kakadheetti isiniif keeneera. Daangaan keessanis laga guddaa irraa, gara galaana guddaa lixaati diriirfate. “**Bara jireenna kee hundumaatti namni si dura dhaabbachu danda’u hin jiru.”Iyaasuu 1:5.**

Biyya ani isaaniif kenuuf abboota isaaniif kakadhe akka isaan dhaala waan gotuuf cimi, ija jabaadhu! 1:6….laka 9 ani Waaqayyo gooftaan kee, iddoo ati dhaqxu hundumaatti sii wajiinan jiiratii cimi, ija jabaadhu, hin sodaatin, hin na’inis! Jedhee si hi abboomnee ree?” jedhe.

- Iyaasuunis basaastoota lama Kana’aan keessa magaalaa Iyaariikootti isaan eergee, isaanis haala magaalatti sakata’an, mana dubartti sagaagaluummaadhaan jiraattuutti gorani, maqaan ishees Rahaabi jedhama ture. Jiraattoonni Iyaariikoos waan kana dhaga’an, dubbii kanas basaastoonni Israa’el magaala Iyaarikoo nu basaasuudhaaf galani jiruu jedhani Mootichatti geessan.Mootichis gara mana Rahaabii looltoota eerge, isheen isaaniin waan dhoksiteef, looltoonni basaastoota Israa’el arguu hin danddeenye.
- Looltoonni eerga sokkan booda, Rahaab,” Waaqayyo Waaqni keessan Waaqa dhugaati, Waaqayyo magaalaa kiyyaa fi gutuummaa biyyatti,dabarsee akka isiniif keennees beekeera. Waaqayyo galaana dimaa hiree, dinoota keessa hundummaa balleessee dhaga’ani sodaadhaan hollatani jiru.Waaqayyo Waaqa dhugaa akka ta’ee nan amana! Yeroo Waaqayyo mo’ichaan magaalatti isiniif keenne anaafi maati koo akka naaf olchitan naa kakadha! Jette.Basaastoonni lamaanis, yeroo Waaqayyo biyyatti nuf keenne sii, namoota mana kee jiran hundumaa siif olchina jedhan isheet himan.
- Booqonnaa sadii keessa, Israa’eloonni Laga Yoordaanoos cee’uudhaaf qophaa’an jiru, garuu lagichi gad fagoo fi baldhaa waan tureef cee’uudhaaf ni sodaachisa. Isaan, eega laga guddaa kana akamiin cee’uu danda’an? … **Waaqni galaana dimaa iddoo lama hiree amm iyyuu hin jijiiramne!** Waaqni galaana diimaa iddoo lama hiree ammas isaaniif hiruudhaan lafa gogeessa irra isaan ceesise.Israa’eloonni hunddii Yoordaanos

cee'uudhaan balbala Iyaariikoo fula dura ga'an. Jiraattoonni Iyyariikoos balbala magaalatti cufan, kanaaf name galuu fi ba'uu hin danddeenye ture.

- Booqonnaa shan keessa, Iyaasuun magaalaa Iyaarikootti dhiiyateera, ija isaa ol fudhe wayita ilaaluu namni tokko goraadee haarkatti qabatee fula dura isaa dhaabatee ilaale. Iyaasuunis, ati gara Kenya jirta moo gara dinoota keenya jirta? " Jedhe gaaffate. Innis ani **ajajaa olaanaa raayyaa Waaqayyo** ti. Jedhe deebiseef.Iyaasuun ,uf afoon lafatti gad gombifame. Ajajaan raayyaa Waaqayyoos Iyaasuutti akkana jedhe. Dacheen irra dhaabbatte qulqulluu waan ta'eef kophee kee mila kee irraa baasi jedheen.Iyaasuunis akkuma inni jedheen godhe.
- Iyaasuu wajjiin eenyuu akka haasa'aa ture yaadatani? Muldhata gabaabaa isaaf godhe Waaqayyo tu ture.

"Magaalaa Iyaarikoo mootii ishee fi looltoota ishee wajjiin dabarsee akka isiniif keenn argii". Hidhatoota hundumaa wajiin guyyaatti yeroo tokko naan'i. Akkanaanis guyyaa sadii nana'a. Luboonni/ Qaalloon torbaa xurumbbaa qoqa guddaa baasuu fula dura taaboota haa hudhan. Guyyaa torbaffaatti, luboonni/Qaalooonni xurmbaa sana haafufaatiin yeroo 7 magaalatti naana'a. Xurumbaan qoqa wayita gudatu, namooonnis isa ajjiin sagalee isaani gudiisani haa iyyan; ginbbiin yookiin ijjaarsi dalichaa ni diggama, namoonnis loontoota faanaa ni seenu." (Iyaas 6:2-5).

- Iyaasuunis waan Waaqayyo irraa dhaga'ee hundumaa Isra'elootatti hime. Haaluma Waaqayyo itti garisee hundummaa hordoofuudhaan waan hundummaa ni raawwate. Magaalattis naana'an.

  Si'aa torbaffaa irratti yommoo turuumbaa afuufan, Isaasuun jaraan, " Waaqayyo mandaricha isiniif keneeraatii iyyaa!" Iyaa 6:16. Iyya isaani sanaan gamoon sun ni diigame. Rahaabii fi maati isheen ala namoonni Iyaariikoo hunddii ni dhuman.Waaqa tolfamaa diistee Waaqa Israa'el waan fudhateef manni ishee hin diigamnee ture.

- Maddii mo'icha isaan, Waaqatti amanuu isani ture.

*Warri israa'el amantti dhaan yaariikoo marsaii, guyyaa torbaffaa erga itti naana'anii booddee, masaraan isaa ni jige. Rehaab ijituun warra guddaa sana nagaadhaan waan simatteef,*

*amantidhaan olte, malee, warra abboomamuu didanii wajiin hin balleeffamne.(Ibroota 11:30-31).*

*Waaqayyo akkasitti biyya isa abbooti isaaniif keennuudhaaf kakatee hundummaa warra Israa'eliif ni kenne; isaanis qabatanii isa keessa ni jiraatan.Lakka.44 Waaqayoo abbooti isaaniif kakatee ture karaa hundumaa boqonnaa isaaniif keenne; diinoota isaanii keessaa tokko illee isaan dura dhaabbachuu hin danddeenye.Diinoota isaanii hunduumaa Waaqayyo haarka isaanitti dabarsee ni keenne. Wantti gaariim Waaqayyo saba Israa'el abdachise hundinuu ni raawwatame malee,tokko illee keessaa hin haafne. (Iyaas 21:43-45).*

- *Amantiin keenya haardha maal fakkaata? Waaqatti amanttaa? amannaa? Kana jechuun jiraachuu Waaqayyootti amanuu miti, garuu dubbii isaatti amanuu, kakuu isaatti amanuu jechuudha.Seexanni jiraachuu Waaqayoo ni aman garuu dubbii isaatti hin amanuu, inni dukkana waan ta'eef jechuudha.*

  *Waan Waaqayyo warra isa jaallataniif qopheesse,iji namaa hin arginee gurrii namaa hin dhageenye, yaadnii namaas bira hin geenye ni jedha. (1qor 2:9).*

  *Isin dhiiba'aa utuu hin ta'in fakeenya warra amantii fi obsaan wanta abadachifame argachuudhaaf jiranii akka fudhattan ni barbaadna.Ibroota 6:12.*

Michoota dhaggeeffattoota keenya Waan nu dhaggeeffataniif isin galateeffanna. Waaqa Hundumaa danda'uu fula isaa isiniif haa ibsuu, milkaa'a!

**KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 45 FFAA**

**ABBOOTA FIIRDII FI RUUT**

**ABOOTII FIRDII FI RUUT**

Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- ♣ Goloba yookiin xumuraa marnoota walakaa kutaa tokkooffaa irratti, seenaa baayee nama hawiisisuu waan ilaaluuf sirriitti akka nu hordooftan isin affeerra.Barnoota dabree keessa, Iyyaasuun saba Israa'el gara kana'aanitti geeggeesse arginee turre. Waaqayyo isaan dura bu'ee dinoota isaanii ari'uudhaan lafa mijataa kantaatee Kan'aan akka isaan dhaalchise agarree jirra.
- ♣ Haardha kan itti fufnee ilaalluu kitaabilee abbootii fiirdii fi kitaaba Ruuti, kitaabilee taateewwan baroota **Raajii Iyaasuu** fi **Raajii Daawiiti** firoomsuu ni ilaalla.
- ♣ Iyaasuun haasaa isaa xumuraa keessatti, Waaqa garbummaa Gibxii keessaa isaan baasee yaadachisuudhaan gorsa isaan gorse ni laalla.

Waaqayyoof hojjachuun isin duratti hamaa yoo fakaate garuu, Waaqolii warra abboonni kessan lagicha gamatti hojachaafii turaniif yookiis warra kan amoorota,, isin biyya isaanii keessa teessan kanaaf hojettu yoo ta'e, har'a eenyuuf akka hojjattan fo'adhaa! Garuu anii fi manni kpp Waaqayyoof ni hojjenna" jedhe.Isa 24:15,…lakka. 18 "Waaqayyo inni saba hunndumaa , amooroota achi turanis nu duraa oofee baasee Waaqayyo keenya Waan ta'eef,nyi isaaf ni hojjenna" jedhan.

- ♣ A.Firdii 2:7 Guutummaa bara Iyaasuu fi bara jaarsoliin warri isa booddee hafanii hojii guddaa Waaqayyo saba Israa'eliif godhe hundumaa argan jiraatanitti , sabni sun Waaqayyoof hojjachaa turan.Lakka 8 Iyaasuunilmi nun garbichi Waaqayyo waggaa 110 jiraatee du'e. Isanis Tulluu Efrem irratti isa awwaalan…. Lakka 10 Dhaloonni yoomus turan hundinuu erga du'anii booddee, dhaloonni Waaqayyoon , gocha inni saba Israa'eliif godhes hin beekne ni ka'e.11 Israa'eloonni Waaqayyo duratti waan hamaa ni

hojjetan,Ba'aal Waaqayyoolii tolfamoos ni waaqeessan… kaanis Waaqayyoon ni dheekamsisan.

- Israa'eloonni Waaqa dhisuudhaan, waaqoolii tolfaman isaan nana'anii jiran Waaqaeessu jala qaban.Isaanis Seexanaan ni sobaman, Waaqa dhugaa dhisan haawwii garaa isaani waaqeessuu jalaqaban. Warri Kana'aan Waaqa tolfamaa Ba'aali akka Waaqa dhugaatti waaqeessu. Sababiin isaas, isaan Waaqa dhugaa,Waqa Israa'el hin beekneef ture.Otoo Waaqadhugaa beekan ture, inni ibsaa waan ta'eef dhugaa isaaniif ni barsisa ture. " *Waaqayyoolii kan biraa tokko illee ana cina hin qabaatina! Bifa bocameen , fakkeenya wanta ol waaqa irra jiruu, gad,lafa irra jiruu hin tolfatin! Lakka. 5 Ati bifa fakkeenyaa kanaaf hin sagadin, isaafis hin hojatin!Ani Waaqayyo goftaan kee Waaqayyo hinaaffaa dha; lakka. 6 Dhaloota warra no jaallatanii abboommii koo eegataniitti garuu, kumaatama isaanitti gaarummaa isaani nan argisiisa."Ba'uu 20:3,5,6.*
- A.firdii 2:11 Israa'eloonni fula dura Waaqayyo yakkani Ba'aalii waaqatolfamoo Waaaqeessuu itti fufan… gadda isaatinis alagaaf dabarsee isaaniin keenne. Yomus waraanaaf ba'an hundda dinoota isaanii jala kufu itti fufan.Kitaabnii Abbooti Firdii Israa'eloonni akkam garaa jabeeyyi akka ta'aniif irra deddeebi'uudhaan Waaqa akka yakkan nuf agarsisa. Haa ta'uu malee wayita sammuu isaani geedaratan gara isaa deebi'an, nama isaan olchuu kaasuudhaan isaaniin dinoota isaanii haarkaa isaan baraara ture.
- Deeddeebi'ani Waaqa isaani irra yakkuun isaan arjummaa Waaqayyo haanbisee laata? seerumaa hin ta'u! Dhugumaan Waaqayyo namoota yakkan dhunfaati adabe, dursee kakuu Abrhaamiif galee eeguudhaan saba haaraa isa fayisaan biyya lafaa keessaa ka'u qopheessuudhaaf haambbaa isaaniif hambise. Sanyiin biyya lafaa karaa sanyii keetiin ni fayifama… wanti tokko illee karoora Waqayyo karaatti haambisuudhaaf kan danda'u hin jiru.Ameen.

- Itti ansuudhaan kitaaba Ruuti wayita ilaallu, dubartittiin tuun, bara jaldhoonnii keessa turan keessa, dubarti Waaqa jaallattee turte; Dubariin tuun Israa'eloota wajjiin firooma hin qabduu turte. Isheen gosa Mo'aab jedhamuu keessa argamte,achi keessaa ba'uun

ishee Waaqa Israa'el waaqeessuudhaaf gufu itti hintaane ture. Baasa Waaqayyo ummata Israa'elitiif dalagee waan barteef, garaa ishee gutuudhaan Waaqa ni amantte.

- ♣ Amanttaa sana keessa, gosa sana keessa haadhalttuu malee, waaqa abbooti ishee Waaqeessu itti hin fufne ture. Waaqaq Israa'el hordoofuudhaaf gati guddaa baafatte hordooftee turte.
- ♣ Ruuti ishee wajjiin obooleetti abbaa warraa ishee kantaatee, (sayyuu) qabdii turte,maqaan ishees Orfaah ture.Akkuma Ruutiin Waaqa Israa'el beektutti Orfaanis ni beekti ture.Kanaaf, Orfaan, Waaqa israa'el yookiin immoo waaqa tolfamaa abbooti ishee jidduu filuutu ishee irra ture.
- ♣ **Orfaan karaa salphaa ta'ee filatte**. Mana abbaa isheetti turuudhaan, biyya isheetti nama biyya isheetti herumu filatte, gati baafachuuf hin barbaanne.**Ruut garuu namaaf hojjachuu irraa Waaqaaf hojjachuun waan ta'uf karaa ulfaata filatte.**
- ♣ Karaa Haqa ta'e filachuu ishee irraa kan ka'ee namoonni gara malee ishee ilaalan.Namnii damma nyaachuu barbaduu, **damma dammeessuutu** irra jiraata.Kanaaf Ruut biyya abbooti ishee dhiftee gara biyya Israa'el Betaliheem imalte.
- ♣ Betaliheem keessa nama **Bo'eez** jedhamuu tokko tu ture,Innis ilma Rahaabii, balaa Iyaarikotti dhufee irraa baraarmtee ture. Bo'eez nama haqa ,nama dubbii Waaqayyoos beekuu ture. Qabeenya guddaa haaqabaatuu malee haadha warraa hin qabuu ture. Ruut, shaakala ganama ba'anii lafa qonnaatti hojjachuu jallattu nutty hima.Haambbaa isa lafa qonnaa keessa bu'ee ni gurti turttes.Waaqayo seera Museef keennetti, hiyyeeyyiin, haambbaa yeroo haamaa akka gurrataniif qonaan bultoonni akka deebi'ani hin kaafneetti abboomee ture. **Kitaabnii qulqulluun Waaqayyo akkamitti Ruuti gara lafa qonnaa Bo'eezi ilma Rahaabitti deemtee qocattuu ishee gaggeessetti nubarisa.**Innis haambbaa qonna isaa akka qocattuu argee ishee dubbise,innis amala shaggaa akka qabaatte argees. Itti anuudhaan wanta ta'ee ni tilmaamtaa? Bo'eezii fi Ruutiin waljaallatan, innis ishee fudhe. Ruut Waaqayyoo fi dubbii isaatiif amanamtuu taa'e. Ilma **Obed** jedhamus godhatan. Obedis abbaa **Essayi** ta'e, Eseeyinis abbaa **Daawit**i ta'e, mooti cimaa, barreessa kitaaba **faarfanna** ni ta'e. Karaa sanyii Daawiti keessa immoo fayisaan biyya lafaa, kanneen raajoonni hundumma waa'ee isaa dubatan ka'e jechuudha.
- ♣ Wantti nama dinqisiisuu, yeroo Israa'eloonn, Waaqa Israa'el dhisan, waaqa tolfamoo naanoo isaani jiraniif hojatan, Ruut garuu fagoodhaa dhuftee, Waaqa israa'el

Waaqeesiste.Waaqayyoos Ruuti gara Bo'eez ishee geeeggeessuudhaan, akkawoo mooti dinqii kan ta'ee Mootii Daaeiti ni taate.

Waaqayyoof hojjachuun isin duratti  hamaa yoo fakaate garuu, Waaqolii warra abboonni kessan lagicha gamatti hojachaafii turaniif yookiis warra kan amoorota,, isin biyya isaanii keessa teessan kanaaf hojettu yoo ta'e, har'a eenyuuf akka hojjattan fo'adhaa! Garuu anii fi manni kpp Waaqayyoof ni hojjenna" jedhe.Isa 24:15,…lakka. 18 "Waaqayyo inni saba hunndumaa , amooroota achi turanis nu duraa oofee baasee Waaqayyo keenya Waan ta'eef,nuyi isaaf ni hojjanna" jedhan.

**KUTAA 2 FFAA**

**KARAA HAQA**

**KUTAA LAMMAFFAA HAALA KITAABA FAARFANNAA FI RAAJOOTAATIIN WAYITA ILAALLAMUU.**

**BARUMSA 46 FFAA**

**SAAMU'EEL, SAA'OL FI DAAWIIT**

**1SAAMU'EEL 1-16;FAAR 8.23.**

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Micoota dhaggeeffattootaa, saganttaa darbbee keessa, bulchiinsaa raajii Iyaasuutti fufe, barrii suni seenaa saba Israa'el keessatti, yeroo **dukkanaafi faalama yookiin jibbamaa** ture. Haa

ta'uu malee, dukanaa fi badii sana keessa ibsaa amanamuummaa Waaqayyo ni ilaalla. Waaqayyo kakuu isa Amrhaamiif fyisaan biyya lafaa uummata isaraa'el keessa akka ka'u hin irranffanne.Kanaaf , Waaqayyo karoora isaa galmaan ga'uudhaaf jireenna dubarti **Ruuti** jedhamtuu keessa hojii irra ture.Ameen.Isheen gosa Israa'eli hin turre garuu garaa gutuudhaan Waaqa Israa'elitti ni amantti turte. Yommuu Israa'eloonni garuu Waaqa tolfamoota fula isaani deebisani Waaqa dhisan dukana filatan, Ruut immoo fula ishee qofa oto hintaane, onnee fi mira gutuudhaan gara Waaqa Israa'el deebiste isas filatte.Kanaaf Ruut gara biyya Israa'el magaala Beetalihem lafa Bo'ezitti heerumteetti godaantte.Bo'eezii fi Ruut ilma Obeed jedhamuu godhatan. Obeed immoo ilma Essayyi jedhamuu abbaa Raajii **Daawiit** godhatan.Kanaaf karoorii Waaqayyo fayisaa biyya lafaa sanyii Addaam cubbuu isaani irrraa fayisuu ittiin kaasuu hojii irra jira jechuudha. Fayisaan sunis kan dhalatee magaala Daawit jedhamtee beekamtu keessa **Beeta liheem** keessa dhalate.

**Raajiin Daawiit( Arabiiffaan Daawud),** kitaaba Qulqulluu keessa baayyee **beekamaa dha.** Maqaan isaan ala 1000 ol barreeffameera.Waa'ee Daawiit hammam beekta laata? Furriisaan gargaaramee Goliiyaadii akka kuffiisa yaadatta ta'a.Akkasumas akka mootii Israa'el ta'e, kitaaba faarfanna irra caalaa isaa akka barreessees ni beekta ta'a.Kaneen beekun kee ba'eessa haa ta'uu malee hubannaan kee asitti daanggeeffamuu hin qabu. Dawwit mooti guddaa ta'uu isaa beekta ta'a, garuu maaltuu isaa guddiisee isa jedhuu fi faarfannaan inni barreesse maal akka nu barsisuu ni beektaa?

Egaaa hubannaa keenya dabaluudhaaf mee nu wajiin barnoota shaman itti fufan akka hordooftaniif isin ni affeerra.

- → Nama Mooti Daawitiitti anee saba Israa'el gorse niyaadattaa/ inni Raajii Saamue'el jadhamee beekkama. Sababii garaan isaani Waaqa irraa fagaateef gara isaa akka deebi'aniif Waaqayyo Samu'eliin kaasee ture. Haardha Kitaaba Qulqulluu keessaa kitaaba Saamu'el ni ilaalla. Kitaabni kun seenaa Saamu'elii fi mootoota isaan duranaaa, Saa'ol. Daawiitii fi Solomoonii kitaaba seeneessuudha.
- → Isaan akka hogananii fi qajeelchan, namoota kan akka Musee, Iyaasuu, fi Saamu'el isaaniif kaasee ture. Kun haa ta'u malee, mootiin isaani kan dhugaa Waaqa hundumaa danda'uu ture. Waaqani isaan jidduu jiraachudhaaf dunkaana addaa akka hojjatan ajajee, qajeelchaa isaani ture. Isaanis isaaf ajajamuu qaban ture, haa ta'uu malee isaan kana

rawwachuudhaaf feedhii hin qaban ture. **Filannoon isaanii garuu akkuuma biyyoota gara birootti mootoota biyya lafaa jala bulu barbaadan**.

→ Kitaaba Saamu'el boqonnaa 8 kitaabnii Saamu'el inni jalqabaa akkana jedha:

Gaggeesitoonni Israa'el hunddii gurmaa'ani gara Saamu'el Raamseetti dhufan.Isaanis akkana jedhan, ati dulloomteerta, ilmaan keetis haala keetiin gaggeessuu hin danda'an,akka mootummoota gara birootti,ati amma mooti nuf muudii. " Haata'uu malee akkana wayita jedhan, jechuunis , "Mooti nu gaggeessuu nukeenni" dubbiin kun Saamu'eliin gadisiisee,; kanaaf inni gara Waaqayyo waammate. Waaqayyos akkana jedheeni, namoonni waan sin jedhan hundda dhaga'ii,isaan irrati mootii akka hin taane kan ana didan, isaani malee ati miti.Guyyaa Gibxii irraa isaan baasee irraa jalqabee, ana gananii waaqa tolfamoo waaqaseen, waan kanas si irrattis ni raawwatan. Isaaniinis dhaga'ii, garuu mootiin isaan haawwatan maal isaan irra akka fiduu cimsiiti isaaniin akeekachiisi.

→ Egaa isaan mootummaa Waaqayyo jibban malee Waaqayyo mooti isaanii ta'uu hin jibiinee ture.Kanaaf Saamu'el karaa kanaan Saa'oliini mooti godhee isaniif moode.

→ Achumaan Saamu'el dhadhaa ejarsaa Shurrubbee tokko fudhatee, mataa Saa'ol irratti dhangalaasee,isasahungatees, " Waaqayyo kunoo, saba dhunfaa isaatii akka geggeessituuf si dibuu isaatii mitii ree?1 Saam 10:1. Israa'eloonni karaa kaan ture mootii isaani kan mudan,

*Saamu'el yeroo sanatti jara hundumaan, " nama Waaqayyo fo'e kana argituu?... jarriis gammachuudhaan wacanii,, " mootichii bara baraan haa jiraatu! Jedhan.1Saam 10 :24.*

Saa'ol hojjaan isaa dheeraaf baayyee miidhagaa, dhiiroota Israa'el hundda irra caala dheera ture. Haa ta'u malee Waaqayyo akka namnii safarutti hin safaruu yookiin hin madaalu waan ta'eef isatti hin gammannee ture. **Waaqayyo onnee keessa namaa ni laalla.** Saa'olis nama Waaqayyoof ulfinna hin keeninee ture, nama of tuluudha, dubbii Waaqayyos nama jibbuudha. Feedhii isaa raawwata malee, feedhii Waaqayyo raawwata miti.

→ Saa'ol erga mudamee takka ture, dubbiin Waaqayoo gara Saamu'el dhufee, " ajaja koo dhiisee ana irraa waan fagaateef ani Saa'oliin mootii godhee muduu kootti gaabbeera.(1Saam 15:10.). Saamu'el, guddaa dhiiphatees,haalkan gutuu gara Waaqayyo iyye. Barii ka'ees gara Saa'ol deeme. Yommu Saamu'el isatti kalaa'uu Saa'ol akkana

jedheen, “Waaqayyo si haa eebisuu ani ajaja Waaqayyo hundumaa ,raawwadheera”…Saamu’el garuu akkana jedhee deebiseef , “ Waaqayyo aarsaa gubamuunii fi  wareegaan ni gamadaa sitti fakaataa laata?kunoo aboomamuun  aarsaa irraa ni caala,dhaggeeffachuunis moora korbeessa hoolaa dhi’eessuu irra ni wayya; 1Saam 15:23, aboomamuu diduun  cubbuu hooda sobaa ti; xiiqeffachuunis jal’ina akka waaqa tolfamaa waaqaeffachuuti; **sababii ati dubbii Waaqayyo tuffateef,innis ati mootii akka hin taaneef si tuufateera” jedheen.**

→ Saamu’elis mootummaan isaa isa irraa kutamee nama biraatti akka keenamuu itti hime,1 16:1 Waaqayyo Saamu’elitti hamma yoomitti Saa’oliif bosaa? Jedheni, dhadhaa ejersaa hudhii ti karaadhaaf qophaa’ii ani gara Esseeyi ama Beeta liheemi gara keen an eergaa ilmaan isaa keessa tokko fildheera. Gara isaani yommuu dhaqxuutti raada tokko fudhii deemii, aarsaa arsuufis gara keessan  dhufeera isaaniin jedhii; innis akuma Beetaliheemitti kalaa’e, akana jedhani isa gaaffatan, “ nagaadhaan dhuftee? Innis akuma Waaqayyo itti dubbatee isaanitti hime, ufii keessan qulqulleessaatiin gara iddoo aarsaa dhiiyeesanitti koottaa isaaniin jedhe, isaanis achitti wayita dhaqaban, Saamu’el Eliyaabiin argee, namnii Waaqayyo dibuu isa kana jedhee yaade,Waaqayyo  Saamu’eliin ani isa waan jibbeef,hojjaa isaatiif  miidhagummaa isaa hin ilaaliin jedheen. **Waaqayyo namnii akka laaluu hin ilaalu, namnii fula ilaala, Waaqayyo garuu keessa namaa ilaala.**Esseyiin ilmaan isaa hundda toraan haafiduu malee isaan jajjaboo keesaa tokko illee fula Waaqayyo dura faara tolaan hin ilaallamne. Saamu’elis, Esseyitt akkana jedhee gaaffatee, kan hafee ilma kanbiraa qabdaa jedheeni; Essayiin, akkana jedhe, inni daa’ima lafa tika holoota ni jiraa jedhee deebise. Kanaaf ,Daawitiin akka fidan hojatoota ergee isa fidani, akkanaais Saamu’el, fula dura oboolaa isaatti Daawiti irra dhadhaa ejeersaa mataa isaa irra naqee, guyyaa sana irraa jala qabee haafuurrii Waaqayyo guddiinnaan isa irratti muldhachuu jalqabe. Kanaanis Saa’olitti fulee Waaqayyo Mootii Daawitii akka muudee ni ilaalla jechuudha.

→ Daawit Waaqa isaa irra akkamalee ni hirkata, Daawit  naannoo Beeta liheem gara tikaa loon abbaa isaatti ni deebi’e, guyyaa tokkoo leencii hoolota keessaa tokkoo yommu nyaatuu, Daawit hoolaa sana areeda isaa miiciiree afaan leencaa keessaa baasuudhaan ni olcha ture (1saam 17:35).

→ Daawit tiksee qofaa oto hin taane, meeshaa musiqaas ni taphata ture. Kanaaf Haafuurrii Waaqayyo faaruulee( zabuur) heedduu akka barreessuu isa gargaare.

Yaa  Waaqayyo goftaa keenya! Guddaa guddaa caalu attamiti!  Faar 8:1

Dubbiin kee milla kotiif  ibsa dha, daanddii koo irrattis ni ifa. 119:105.

Waaqayyo tiksee kooti  ani homaa hin dhabu. Faar 23. Amanttaa isaa calaqisa.

Waaqayyo garuu Saamu'ellin , ani  waanan isa tuffadheef  bifa isaa fi  dheerinna hojjaa isaatti hin ilaaliin ! ani akka namnii ilaaluutti  hin ilaalu; namnii fula ilaala ,ani Waaqayyo garuu garaan ilaala" jedhe.1Saam 16:7.

Waan nu dhaggeeffataniif guddaa eebifamaa, milkaa'aa, Waaqa hundummaa danda'uu fula isaa isiniitti haa ibsuu, isinittis haa araaramuu. Ameen.

**KUTAA LAMMAFFAA BARUMSA 47 FFA**

**DAAWITIIF GPPLIIYAADII**

**1SAAM 17,FAAR 27**

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa  arjummaa isaatiin qopheessee  ilmaan namaa  dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Saganttaa darbee waa'ee raajii Daawiti ilaaluu jalqabnee turre. Waaqayyo waa'ee raajii Daawiti kan raga ba'ee haa ilaallu; Ani Daawitiin ilma Iseyi  nama akka garaa koo argadheera, inni jaalala koo hundumaa ni raawwata jedhee dhugaa ba'e.( Ho .E 13:22). Waaqayyo mootii lammaffaa godhee haala akkamiin isa muudee agarree turre, inni jalqabaa, ajajmuu diduudhaan Saa'ol Waaqa gadisisee ture. Daawitis akkuma

muudameen mooti hin taanee, haangga yeroon Waaqayyo mootummaa haarka isaatti galfatuu waan hingeenyeef ture. Haangassitti gara tika hooloota abbaa isaatti deebi'e.

- Seenaa dinqii waa'ee Daawiti ilaalle akka turre ni yaadanna; Waaqayyo waa'ee isaa argadheeni! jedha. Sababiin isaas, Daawiti akka feedhii Waaqayyo waan jiraateef ture. Haardha Saamu'el isa duraa boqonnaa 17 itti fufnee ilaalla. Akkanas jedha:

*1Saam 17 :1 Filisxeemoonis waraanaaf human isaan ijaaruudhaan qophaa'ani, isaanis dinoota kan Israa'eootaa isaan cimoo turan…. Saa'olii fi Israa'eloonni akkasuma human isaani cimsuudhaan sulula Elaah keessa quphatan. Sulula jidduu isaanii dhiisuudhaan* bitaa mirga suluulaatti quphatan.Morkaa kanta'ee Goliyaadiin gaazaa keess bufata Filisxeemi keessaa ol ba'e. Dheeriinni isaa meetra 3 ture. Inni qobii nahaasaa fi irra dha'aa yookiin darbata haasii irraa hojjatamee kiiloo garaama 60 ulfaatu, milla isaa irra immoo keewwata sibila Naahaasi irraa hojjataee akkasumas, haaluma walfakaatuun dugda isaa irrattis meshaa sibila Nahaasii irraa hojatmee isa waraana of irraa deebisuu hidhatee ture; Goliyaadiin jechuudha. Kana malees heboon haarka isaa irra jiruu kilo garaama 7 yommu ulfaatu, keewwatni billaa isaa immoo baayyee dheeraa ture.

Goliyaadiin akkas ol ba'ee , gara looltoota Israa'el akkana jedhe iyyee, " achi as baatanii falmiidhaaf qophoftani jirtu isaaniin jedhe; Ani lammii Filisxeemii miti? Isinis garboota Saa'oli miti ree? Nama tokko fildhaati gara koo eergaa!Inni ana mo'atee na ajjeesse, hundii keenya garboota keessan ni taana, ani immoo isa mo'ee ajjeessee taanaan, hundii keessan garboota keenya ni taatu jedhe Goliyaadiin. **Saa'oliin fi Israa'eloonni sodaadhaan hollatani baayyee dhiphatan.**

- Wayita Goliyaadiin Israa'eloota irra akka leencaa baroodu, Daawitiin tika loon abbaa isaa faaruu waaqa meeshaa adaa tabsisaa nagahaan tiksaa ture. Daawitiin dirree loolaatti oboola sadan qaba ture. Guyyaa tokko abbaan Daawit, gara isaa dhufee, oboolaan kee haala akkamii keessa jiran argii koo tu jedhee eergeeni; Daawit tiksoota biraatiif hoolota isaa dhiisee, gara dirree loolaatti sokke.

- Goliyaadiin akkuma bulttii 40 gudhuu dubbii sodaachisaa dubbachaa Israa'eloota sodachisuu itti fufe ture,

- Namnii tokko Daawitiif, Namnii kun waan jedhuu dhageessaa? Saba keenya salphisaa akka jiru. Nama kana ennuu illee monaan, Mootichi Saa'oliin, **qabeenya guddaa**, i**ntala** isaa fi dabalataanis **kaffalti gibiraa** irraa isa walboomsa jedheen.
- Daawitiinis ,isa dhagna hin qabamnee nama Filisxeem looltoota Waaqa jiraataa akkamitti salphisa? Yommu kana dubbatu obooleessi isaan haangafnii dhaga'ee aree, garana maafiif dhufte, hoolota sanneenis innuuf dhiftee jedhee looleeni.Maaliif garana akka dhuftee ani ni beeka.Atis haala loolaa arguuf dhufte! Looltoota keessa inni tokko dubbii jabaa Daawitiin dubbatee gara mooticha Saa'olii gabaase. Saa'olis gara daawiti gad ba'ee gaaffii isa gaaffateen.
- 1Saam 17:32 Daawiti Saa'oliin, nama Filisxeemii kana sodaacha irraa kan ka'ee namni tokko illee akka abdii hinkutannee jedhe, garbichii kee dhaqee isa waraanaati, Saa'olis Daawitiin, ati isa falmuu hin danddeettu, ati daa'ima, inni ijoolluummaa isaara jalqabee falmiidhaan guddatee jedheen. Daawitiinis, shaakaala dirree tikaatti qabuu ibsuufi dhaan, leenca loon abbaa isaa nyaachuuf dhuf akkam akka isa fulmuu itti himuudhaan, nama Filisxeemii kana, Waaqayyo fi waraana Waaqayyo tufatukana falmuun salphaa akka ta'e itti hime. Dabalees Waaqa afaan leenccaa keessa nabaase, haarkaa nama Filisxeemi dhagna hin qabamnee keessaa na olchaa jedheen. Ameen! **Saa'olis deemi Waaqayyo si wajjiin haa ta'u jedheen.** Saa'olis wayaa waraana kan ufii isaa Daawitiitti ufise, kitaa sibila nama irraa ittisuu irra dh'eef, akkasumas, qobii sibila Naahaasi irraa hojatame mataa isa irra kaa'eef; Daawit kana hundda eerga keewwate boodde, sossocho'uf yaalee, garuu hin danddeenye, Daawit Saa'olitti , asiiin dura uffadhee waanan hinbeekneef,kana uffadhe sosocho'u hindanda'u, jedhu uf irraa mulqe.
- 1Saam 17:40, kanaaf, ulee tika isaatii fi  dhakaalee furisaa shaman fudhe korojoo isaa keessa kaa'e gara Goliyaada isa saba Israa'el irra arrbsoodhaan ka'etti  kalaa'e. Lakka 41 yeroo sana Goliyaad Filisxeemichi  isa gaachana isaa baatuuf of fuul dura  buufatee gara Daawititti dhiyaacha ni adeeme. Filisxeemichi ilaalee  Daawitiin datgaggeesse diimaa dhaaba tolu  tokko yommuu arge ni tuffate. Innis ani sareedha  ulee qabatee anatti dhuftu? Itti fufees mee garna kootu, ani foon kee  allaatoota qilleensa irraa balali'anii fi ,bineensoota bosonaaf keenna jedhe baayye abaareen.

- Daawit nama Filisxeemichaan , **" ati billaa , eeboo fi bode keetiin anatti dhuftaa ani garuu maqaa Waaqayyo maccaa, Waaqayyo loltota Israa'el ati itti ga'ifte sanaan sittan dhufa; 1Saam** 17:45….Namoonnii achii dhaabbatanis lollii kan Waaqayyoo waan ta'eef Waaqayyo haarka keenya keessa si buusa; **Waaqayyoo billaadhaanii fi eeboodhaan akka hin olchine walga'in kun hundinuu ni beeka jedhe.**
- Filiisxeemichis gara Daawiti tti dhiyaate… Daawit haatantamaan dhagaa koroojo sana keessaa fudhe adda isaa irra rukuteenii, dhagichis adda isaa keessa badnaan Filisxeemiichis lafa dha'ee adda isaatiin gad ni gombifame… . Daawit billaa fi dhakaa uf haarkaa oto hin qabatiin, furriisaa fi dhakaa dhaan ,maqaa Waaqayyootiin mo'ate.
- Daawit inni tuffatame sun, dhakaa dhaan furriisaan fi **amanttaa dhugaatiin** saba Israa'eli olche, Isaani loltota Filisxeemota arii'ani hangga karra Filisxeemii Ekroonitti isaan dukaa bu'an.
- Israa'elonnii fi Saa'ol guddiinna Gooliyaadi arganii hunddii soda dhaan hollatni sodaatani turan.Daawit garuu, Goliyaadiin odoo hin taa'ee Waaqa hundduumaa olii ilaale.
- Saa'oli fi Israa'elonni sirnna amanttaa qofaa beekan malee amanttaa dhugaa hin qaban ture. Inni sunis isaaniin hin olchine ture. Haallii ittiin Waaqa beekan, tokko ta'uu isaa beeku, jiraachuu isaa beekuun isaan hin olchine, garuu**, Daawiti haariiroo, firooma gaariidhaan Waaqa wajjiin maqaa jiraatuuf, Waaqayyo isa wajjiin akka ba'uu ni amane.**
- Haardha ati dhunffaa keetiin Waaqa ni beektaa laata? karaa isa kam filata? Isa Daawiti moo karaa kan Saa'olii fi kan loltoota isaa?
- Dubbii Waaqayyotiin guttamtee moo, sirnaa adaa Waaqeeffannaatiin guttamtee laata?

*Waaqayyo ifa koo ti ,fayyinna kootis, yoos immoo eenyuun sodaadha ree? Eenyuun durattan pherpherama ree? Far 27:1*

*Yaa Waaqayyoo anggoo koo ani sonaan sin jaalladha;Yaa Waaqayyo gooftaa koo,dukkana koo ni ibsita…. Dubbiin isaa dhugaa ta'uu isaa amansiseera;…. Gofticha malee Waaqayyo eennuu ree? Faar 18:1,2, 29,30.*

*Gaarummaan Waaqayyoo attam akka ta'e isin mi'eeffadha ilaalaa!( Faar 34:8).*

Waan nu dhaggeeffataniif glatoomaa Waaqa hundumaa danda'uu isin haa eebisuu, milkaa'aa badhaadhaa! Abbaan jaajalaa fula isaa isiniif haa ibsuu! Ameen.

## KUTAA LAMMAFFAA BARUMSA 48 FFAA

## MOOTII DAAWIITII FI WAADAA WAAQAYYO

## 1SAAM 18-2SAAM 7

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- Barnoota dabran keessa,Waaqayyo, Israa'eloonnii fi Saa'oliin Waaqa akka dhaga'uu didanii fi , Waaqayyo nama akka feedhii isaa adeemu akka argatee ilaallee turre; …. Ani Daawiitiin ilma Iseyi nama akka garaa koo argadheera, inni jaalala koo hundumaa ni raawwata' jedhee dhugaa ba'ee. (Ho.E 13:22).Saa'olii fi Israa'lonni adaa amanttaa duwwaa beekan malee, dubbii fi yaada Waaqayyo, akkasumas, Waaqa wajjiin firoma yookiin haariiro dhugaa hin qaban ture.
- 1Saam 18:6, Daawiti nama Filisxeemii eerga ajjeesse, dhiiroonnii hunddii deebii'an boodde, dubartoonnii magaaloota hundda irraa Saa'ol dura walitti qabamani, shubisu jalqaban, akkanas jechaa shubbiisuu itti fufan, Saa'ol 1000 ajjeesse, Daawit immoo 10,000 ajjeesse, Saa'olis ni aaree, yeroo sana irraa jalaqabee, Daawitiin akka diinaatti ilaaluu jala qabe. Hinaaffaadhaan guttame; Israa'eloonnii caalchisanii Daawitiin akkuma jaallataniin, Saa'oliin immoo caalchisee Daawitiin ni jibbe.**Daawiti garuu Saa'oliin hin jibbiine ture.**
- **Daawit Waaqa isa qajeelaa irrattii fi dabaa irraa aduu ibsuutti ni amane.**

Macaafni akkana jedha; Namni jaalala qabuu Waaqa irraa dhalatee, Waaqas ni beeka.Namni jaalala hin qabnee Waaqa hin beeku.Sabanisa Waaqayyo jaalala dha. Inni dursee waan nu jaallateef, nuti isa jaallanna, namnii Waaqa nan jaalladhaa jecha, obbooleessa isaa jibbee sobaa dha. Namnii obbooleessa isaa isa bira jiruu hin jaallanne, attamitti, Waaqa isatti hin muldhannee jaallata.(1yon 4:7,8,19,20).

Daawit Saa'ol isa jiraachisuu waan hin danddeenyeef jalaa baqate,

- 1Saam 24:1 Saa'ol loltoot kuma sadii gutummaa biyyatti irraa wiltti qabee ,Daawitiin lafa gammoojjii keessa barbaacha boba'ee; Holqa Hingaadii keessa Daawiti fi looltoonnii isaa holqa keessa gadii fagoo turan, Saa'olii fi loltoonnii isaa isaan haanaanneessan malee biira ga'uu hindanddeenyee,.. loltoonnii Daawitis akkana Daawitiif jedhan, haardha Waaqayyoo diina kee si haarka kufiseeraati carraa kee ti gargaarami jedhaniin,
- Daawit garuu mirga yaade, yommuus Saa'oliin argeetti goftaa koo jedhe gad gonbifameef;

Ergasii Daawit ka'ee isa booddeedhaan holqicha keessaa ba'ee Saa'olin waamee, yaa mootii yaa gooftaa ko! Jedhe; yommuu Saa'ol of booddeeilaalutti immoo Daawit hamma lafa ga'utti gugguufee Saa'oliin " isa namoonni , kunoo, Daawit waan hamaa si irratti hojjechuu barbaadaa jedhan maaliif dhageessa? Haardha Waaqayyo holqa keessatti haarka kooti dabarsee akka si keenne kunoo , iji kee iyyuu argeera; namoonnii illee, ajjeesinii naan jedhani ru, ani garuu siif o'een, isa Waaqayyo dibee moosisee waan ta'eef,ani goftaa koo irratti haarka koo ol hin fudhadhu nan jedhe…. Waaqayyoo anaa fi si jidduu haa faraduu, jecha warra durii keessaa , jaldhiinnii warra jal'otaa keessaa ni ba'a ni jedhama, haarki ko gruu si irrra hamaa hin hojjetin! 1Saam 24:8-13.

- Daawit haasaa isa erga raawwatee boodde, Saa'ol, dhugumaan qoqii kun qoqa ilma kiyya Daawiti it? Jedhe. Sagalee isaas ol kaasee boo'ee. Ati anna irraa caalaa qulqulluu dha, ati anaan baayyee na waldhaantte;, ani garuu si balleessuudhaaf si barbaade. Haata'u malee, Saa'ol gaabbii isaatti hin turre,yeroo gabaabaa boodde Daawitiin ajjeesuudhaaf holqa keesse barbaacha deeme.

*Waaqayyoos haarka Saa'ol keessa isa baaseeni ,Saa'olis waanma facaasee haammate. 1Saam 31, Filisxeemoonnis Israaleli irra haammaatanii Saa'olii fi ilmaan isaa ajjeesan, Saa'olis dirree waraanaa keessa rukutame, haarka Filisxeemootaan du'u manna jedhee hidhataa isa wajjin jiru lubbuu koo fixii jedhee gaaffatee, hidhataan sun garuu ni sodaate, Saa'ol garuu, billaa ufii isaa irratti kufee, du'e. Guyyaa tokkotti ilmaan Saa'ol sadan ni du'an; haala kanaanis akkuma Waaqayyo dubbate sanyiin Saa'olii ni dhuman. Kitaabnii Qulqulluun, mootummaa Israa'el mana Saa'olii irraa gara mana Daawitiitti akka deebisee nutti hima.*

*Daawit dunkaana waaqeeffannaa gara Yerusaaleem erga deebisee boodde; mana qulqulluummaa Waaqayyo ijaaruudhaaf akka karoorfate ni ilaalla.Haa ta'uu malee Waaqayyo*

*Daawit, mana qulqulluummaa akka hin ijaarreetti Waaqayyo itti hime.1Saam 7:12. Ilmi isaa akka mana qulqulluummaa saanduqnii Waaqayyo keessa taa'uu hojjatu itti hime, innis abbaa isaa akka ta'u inni immoo waaqayyoof ilma akka ta'uu kakate.Mootummaan isaas bara baraan akka jiraatu Waaqayyo mirkaneeseef.*

- *Iddoo kanatti Waaqayyo mootummaa Daawit akkam godhe bara baraan dhaaba laaa? Daawit inni foon uffate, bara baraan jiraataa laata? Garuu isa karaa maati Daawit keessa*

*Mucaan nuuf dhalateera ,ilmis nuuf keenameera;humni mootummaa isaa gateettii isaa irra jira; maqaan isaa, Gorsaa, dinqii,, Waaqayyo-jabaa, abbaa bara baraa, angafa nagaa ni jedhama. Guddiinni mootummaa isaatii fi guddini nagaa isaatii dhuma hin qabu;inni teesso Daawitii fi mootummaa isaa irratti ni mo'a,isa ni ijaaras;( Isa 9 :6-7).*

*Inni mootummaa Daawit irra taa'uuf kan isaaf ta'uu eennuu akka ta'ee beektaa?*

*Kanaafis Waaqayyo waan hundumaa irra caalchisee guddaa ol isa qabe;maqaa isa maqaa kam irraiyyuu caalu kenneeraaf.Kanaanis warri bantii Waaqaa keessa jiran, warra lafa irra jiraa,warri lafa jala jiranis hundinuu, ulfinna maqaa Yesusiif jilbeenfatanii akka sagadan godhe. (Fili 2:9-10.)*

- Daawit yommuu waa'ee nama mootummaa isaa itti fufu hubateetti, akkana jedhee faarfate,

  Yommuus Daawit mootichi dunkaana saanduqi kakuu Waaqayyo keessa jirutti ol lixee taa'ee,

  Yaa Waaqayyo goftaa ! Ani sanyiin koos iddoo kanaaf kan taanu utuu hin ta'in nu geesseetta.( 2Saam 7 :18.).

  Badhaadhummaan araara Waaqayyoo hammam guddata! Oguummaan issa fi beekumni isaa hammam gad fagaata!... wantta hundumaa waaqayyoo tu uumee;wantti hundumtuu isaan ni jiraata;( Roomaa 11:33,36.)

## KUTAA LAMMAFFAA BARUMSA 49 FFAA

## DAAWITI FI BERSAABE

## 2SAAMU'EL 11,12, FAAR 51,32

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- ✓ Kutaa kana keessa, haardha, wantta Daawit irraa hin eegamnee, fula Waaqayyo duratti dalagaa dukkanaa Waawit Dalagee ni ilaalla. Mootummaa Waaqayyoo dabarsee isaaf keenne irratti dalagaa gadhe dalagu isaa ni argina. Cubbuu sagaagalumma dalagee; kana irraa akka barannuuf Waaqayyo kana nuuf kaa'e.

  Nuyi obsaa fi jajjabina caaffanni qulqullaa'oo nuuf kennaniin abddii akka argannutti wantta caaffata qulqullaa'oo keessatti caaffaman hundinuu nu barsisuudhaaf caafaman.Roomaa 15:4.

  Wanti kun hundinuu warra kaan qoqqobachuudhaaf isaanitti dhufe, nuyi warra dhumni barichaa irra ga'eef immoo barumsa akka nuuf ta'uuf caafame. Kanaafis namni dhaabatee waan jiru itti fakkaatu akka hin kufneef of haa eegatu! (1qor 10:11-12.)

- ✓ 2Saam 11:1 Guyyaa tokko Daawit loltota gara dirree waraana Iyo'aab wajjiin bobaasee inni masaraatti hafee, masaraa irraa gad wayita mildhatu dubartin tokko yeroo dhagna ishee dhiqattuu argee, isheenis haadha warraa Oriiyooni yommuu taatu maqaan ishee immoo Bersaabeeti ture, nama itti eergee waamsisee, ishee wajjiinis cisee, sheenis ulfoofte, kanas nama itti ergitee Daawititti himte, cubbuun as qofa hin dhaabbatu, cubuu dalagee kana dhoksuudhaaf jedhe immoo abbaa warraa ishee dirree waraanaatti ergee ajjeesise.
- ✓ Mala dhawateen, ajjeesiseeni, Oriyoon looltoonni Waaqayyo dirree waraanaa oto jiranii ani mana koo seenee haadha warraa koo wajjiin hin cisuu jedhe,… amanamaa namaati;
- ✓ 2Saam 11:26 yommuu du'a oriyooni haati warraa isaa Bersaabet dhageetteetti, baayyee gaditeef; yeroon booyichaa raawwatuutti, Daawit gara masaraa isaatti ishee fudhe, haadha warraa isaas ishee godhate**, dalagaan kunis Waaqayyoon baayyee gadisise.**

- ✓ Waaqayyo guyyaa tokko raajii gara Daawititti eerge; raajiin naataan fakkeenyaan , soreessii tokkoofi hiyyeessi tokko gandda tokkootti jiraatan, sooreessi hoorii baayyee, qabeenya baayyees ni qaba ture, hiyyeesi sun immoo fira hin qabu, qonnaa hin qabu, garu, ilmoo holaa tokko qaba ture, hoolaa sanas, akka ilma isaatti, waan nyaatu nyaachisaa, waan dhuguu obaasaa guddiisa ture; guyyaa tokko, mana soreessa sanatti keesuummaan dhufnaan, hojjatota isaa gara mana hiyyeessa sana eergee, keessummaan biyya fagoo irraa natty dhufeewaan jiruuf, ilmoo hoolaa keesan naaf eergii qalee keessummaa koo of irraa geeggeessaa jedhee, hiyyeessii sunis human waan hin qabneef, hoolaa akka ilmoo isaatti guddiisee otoo hin jaallatiin keenne, yaa mootii fiirdiin kee maali dhaa jedhee raajiin naataan isa gaaffate, Daawit wanta kana yommuu dhaga'utti aree boba'e mootiin sun du'u tu irra jiraata jedhee itti mure. Raajiin Naataan mootichaan akkana jedhe, namni sun ati jedhe, 2Saam 12 1-14. Daawitis, Daawit baayyyee gaddee, qalbii isaa geedarate, Waaqayyoos cubbuu isaa hundumaa dhiseef…. **Ani Waaqayyo irra cubbuu hojjadheera jedhe.**

Cubbuun Daawiti Loltoonnii Israa'el akka mo'aman waan godheef, ilma isaa dhabe,

- ✓ Waaqayyo maaliif cubbuu Daawit dhiiseef? Daawit, anggoo isaa gargaarame, isa ajjeesuudhaaf hin yaalle, garuuqalbii isaa jijiiree malee. Akkana jedhe, **ani Waaqayyo irratti cubbuu hojjadhe!**

Yaa Waaqyyo akka gaarummaa keetti araara anatti agarsisi! Faar 51:1.

Waaqayyo ifa dhaa isa keessattis dukkanni gutumatti hin jiru.1Yoh 1:5.

Namnii irra daddarbaan isaa dhiifameef

Cuubbuun isaas deebi'ee akka hin argamne godhameef haa gamadu! Namni Waaqayyo yakka tokko illee irratt hin lakkoofne haada isaa keessa haxxummaan hin jirre haa gamadu! Faar 32:1-2.

Jaallatamoo dhaggeeffatoota waan nu dhageessaniif isin galateeffanna, eebifama, milkaa'a! Waaqnii hundummaa dhanda'u fula isaa isiniif haa ibsu.

## KUTAA LAMMAFFAA BARUMSA 50 FFAA

## RAAJII DAAWITII FI MASIIHI

## FAAR 1,2

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota arfan darban keessa Seenaa Daawittiksee ta'uu isaa, faarfataa ta'uu isaa, barataa sagalee Waaqayyo ta'uu isaa, waraana keessa immoo janna ta'uu isaa, mootii Israa'el ta'uu isaa fi raajii Waaqayyo ta'uu isaa ni ilaallee turre. Dhumma irratti immo Mootichi Daawit, **yakkamaa ta'uu isaa ni ilaallee turre.**

- Haardha Kitaaba jidduu kitaaba Qulqulluu argamuu ni ilaalla. Kitaabni kunis Kitaaba Faarfannaa yookiin afaab Arabaatiin immoo isa Zabur jedhamuu dha.Kitaabnni Faarfanna boqonnaa yookiin faarulee 150 uf keessaa qaba. Baroota dheeraa darban keessa, raajoota heedduu akka gargaarame, isaan keessaa immoo Musee,Solomon,Asaaf fi ilmaan Qoree turan.Haata'u malee, isaan keessaa inni caalaani Daawitiin barreeffame.Haardha nuti faarulee jalqabaa isaan duraa boqonaalee lamaan ni ilaalla.
- Faarun jalqabaanamoonni biyya lafaa irraa iddoo lama akka hiraman nubarsisa. **Isaan karaa haqa irra deemanii fi isaan karaa jal'innaa irra deemani dha.**

  Namni akka gorsa warra jal'otaatti hin deddeebine,karaa cubbamoonni irra adeeman irra kan hin ejjenne,

  Warra ga'isanii wajjinis tarree kan hin teenye gammachuu qaba!

  Qooda kanaa isa gamadu kanatti seerri Waaqayyo itti ni tola.

  Innoo halkanii fi guyyaa waa'ee seera Waaqayyo ni yaada.

  3 Inni akka muka isa bishaan yaa'aa qaraqara dhaabamee,

  Yeroo yeroo isaattiija kennuu,baalli isaas gogee hin harcaanee ti;

- Wanti inni hojajetu hundinuus wal ni qixxaataaf,4 **Warri jal'oonni garuu akka kana miti**;isaan akka habqi qiillnsi fuudhee adeemuu ti…cubamoonni walga'ii qajeelootaa keessa hin dhaabatan.Laak.6 Waaqayyo karaa qajeelotaa duukaa bu'ee ni beeka, karaan jal'ootaa garuu gara badiisaatti ni geessa!
- Iddoo kanatti karaa warra haaqaa ti fi warra dabootaa ni ilaalla. Namnii jireenya gadadoo barbaaduu tokko illee hin jiruu, Waaqayyoos nomoonnii akka badan hin barbaaduu;eegaa karaan eebba argamsisuu isa kamii laata?
- Faarun Daawit inni jalqabaa waan lamaan isaan goolaba;

    1. Karaa warra dubbii Waaqayyo tuffatan hin filatiin jedha:

    2. Dubbii Waaqayyo dhoksaa isaa bira ga'uuf, xiinxali, itti amanni, kana godhuu dhaan karaa fayinaa Waaqayyo qopheesse fudhadhu jecha jechuudha.

- **Ati dubbii Waaqayyo yoo fudhatte itti amantte**, akka muka qarqara bishaan yaa'utti taata. Jireenyii kees Waaqa irra hunddeeffama. Yeroo eroondhaan akka muka ija keennuu ni taata.
- **Yoodubbii Waaqayyo fudhachuu diddee karaa dukkanaa filattee garuu, isaan akka habqi qiillnsi fuudhee adeemuu ti**…cubamoonni walga'ii qajeelootaa keessa hin dhaabatan.
- Faar 2:1 keessa waa'ee **fayisaa biyya lafaa hundda olchu** barreessuu isaa kakaasuu isaa ni ilaalla.

Sabni biyya lafaa maaliif raafaman? Waaqayyoon , isa inni dibee, moosiseenis mormudhaaf. Mootonni, lafa irraa ni ka'u, warri biyya seerratanis walii wajjiin taa'anii ni mari'atu. Isaan " kottaa hidhaa isaanii of irraa ni cabsinaa! Lakka.4 inni banttiiwwan Waaqaaa garagarraa taa'u itti ni kolfa, gooftichi isaanitti ga'isa. Lakk.5 kana booddees gooftichi aarii isaatiin isaanitti ni dubbata, dheekamsa isaatiinis isaan ni naasisa. Lakka.6 Itti fufees "ani mooti isa kan kootii immoo teesiseera" ni jedha.Lakka.7 Ani mootichi seerata Waaqayyoo himuudhaafan jira. Inni anaan, " Ati ilma koo ti, ani har'an si dhalche,8 ana kadhadhu, anis saba hundumaa kan kee akka godhattuuf, lafti hamma handaara isaatti qabeenya kee akka ta'uuf siif nan keenna, ati ulee sibiilaatiin isaan ni cabsita, akka qodaa suphees isaan ni hurreessita." Jedha. Kanaaf isin mootota nana qalbii godhadhaa!11 sodaadhaan Waaqayyof hojjadhaa! Kanaa achi inni ni

dheekkama, isisnis karaa kanatti baduu keessan; dheekamsi isaa dafee ni boba'a ao! Namni isatti kooluu galee eebifamaa dha!

- Faarfannaa Daawit 2 keessa, maqaa dinqii fayisaa sadan ni ilaalla.

1.Masiih, afaan Ibrootaati isa Mudamee, zayitii dhaan dibamee jechuudha; isa Waaqayyoon filatamee jechuudha.Akka mootii fii abbaa firdii biyya lafaa ta'uuf jedchuudha.Faar 2:1-3. Namoonnii biyya lafaa isa fudhachuuf maaliif didan laata? inni qulqulluu waan ta'eef yoh 3:20.Maqaan Masiih jedhamuu afaan Griikitti immoo kiristoos jechuuudha. Innis hikaan isaa isa Waaqayyoon filatame jechuudha.

2. Mootii, akkasuumas Masihiin Mootidha; akka karoora Waaqayyootti ,Mahihiin Mootii fi abbaa firdii biyya lafaa waan ta'eef kanaaf isa ganan.2phex 3:16. Wanti hubachuun isaa nama dhibuu… jedha

3. Ilma, Far 2:7 ati ilma koo ti, anis abba siif nan ta'a! Masihiin akka feedhii namaatti dubarttii irraa hin dhalanne, Waaqayyo haafuura waan ta'eef sirnii namaa isaaf hin ta'u.Waaqa irraa waan dhufeef, sirna ilma namaa keessa waan hin dabrineef ilma Waaqayyo dha;Kanaaf Massihiin biyya lafaatti abba foonii hin qabu. Innii lammaffaan, ilmii fi Waaqayyo amala walfakaatu waan qabaniif Waaqayyoo isaan ilma jedheeni, Ibroota 7 :26. Inni sadaffaan, Waaqayyo masihiicha ilma jedheef, ergamoota irraa adda isa taasisuuf ture, inni fagoo adda dha.Masihiin gubbaa irra dhufee akkasumas, durbbaa irra dhalate, karaa kanaan ,ergamoota keessaa tokko illee hin dhufnee jechuudha. Inni cubbuu malee dhaa maqaan isaa ol ol haa jedhu.

Kanaaf isin moototanan, qalbii godhadhaa! Sodaadhaan Waaqayyoof hojjadha! Kanaa achi inni ni dheekama, isinis karaa kanatti baduu keessan; dheekamsi isaa dafee ni booba'a o!**Faar 2:10-12)**

Waan nu dhageessaniif galtooma, milkaa'a, Waaqayyo hundumaa danda'uu isin faanaa haajiraat,

Fula isaas siniif haa insuu isinittis haa araaramu.

## KUTAA LAMAFFA BARUMSA 51

## FAARFANNAA DAAWITITTI KAN ITT FUFEE.

## FAAR.22

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- Saganttaa darbee keessa Faarfannaa ( zabur)Daawiti akka rgudhaaf yaallee, Faarfannaan Daawit ,Faarfannaalee 150 waan uf keessaa qabuuf kana hundda dhiyeesuudhaaf salphaa hin ta'u. Otoo xiinxala Kitaaba faarfannaa hin golobiniin dura, faarfannaa 22 ni ilaalla. Faarfannaan 22 ,fayisaan biyya lafaa, ilmaan namaatiif jedhee akka dhiphatee dhiphiinna isaatiin immoo, biyya lafaa akka olchu ni ilaalla.Daawit Masihiin waggaalee 1000 booda dhufu(wangeela) injiil keessa akkuma Daawit raajee raawwatamee agarre. **Isa uf afoo ta'uuf ijuu kan beekee namatti akeekkachisuu Waaqayyo qofaadha.**Faarfanaan 22 goftaan yesus dhiga isaa lolaasee ilmaan namaa akka olchu dubbata jechuudha**.**
- Faar 22:1 akkana jedha, Waaqayyoo ko, Waaqayyoo ko, maaliif na dhifte? Ana gargaaruuf akka hin taanee maaliif fagaatte?2 Yaa Waaqayyo ko guyya gara keetti nan iyya, ati garuu naaf hin deebiftu; halkanis nan iyya ,qabbana immoo hin argadhu. Kana keessa immoo ,ati qulquluu dha.Lakka. 6 Ani garuu raammoo dha nama miti,Lakka 14 ani akka bishaanii nan dhangala'e, lafeen koo hundinus wal gad dhise;onneen koos akka gaga ana keessa ni baqe;Lakka 15 qoonqoon koo gogee na awwaarae,

  Arranii koos laagaa kootti qabate; atis biyyo du'aa keessa na ciibsita. Lakka.16 Warri akka saree adamsan ana ni naana'an,

  Gareen warra hamaa godhaniis ana ni marsan, **harka koo fi miilla koo uranii ni fullasan**!

  Daawit otoo Masihiin hin dhalatiniin dursee waggaa 1000 dura, Masihiin haarka jallootaatti akka rakkifamuu Faar 22:16 irra ni ilaalla, **harka koo fi miilla koo uranii ni fullasan**! Haala akkamitiin akka dhiphate gati cubbuu baasee faarfannaan 22:16 nuf insa.

Fannoo irratti dhiga isaa lolaasuu isaa agarsisa. Kana waan godheef, yakka keenya fudhatee nagaa isaa nuf keenne, bakka keenyattis fanifamee du'e.Ib 2:9. Kanaaf, Waaqa cubbuu jibuu, cubbuu adabuudhaan, ilmaan namaa karaa kafaltti Gooftaan yesus fannoo irra baaseen warra isatti amanan hundda isaan bilisoomse.

- Jecha Wolof keessa jecha tokkotu jira, walaalaan, otoo ati hin beekiniin dura si ajjeesa, jedha. Namoonni tok tokko Waaqayyo Masiniicha du'a saphinnaa akknaatiif isa dabarsee hin keennuu ni jedhu. Nmoonnii akana jedhani barsisanii fi amanan, kitaaba qulqulluu gad fageennaan hin beekan jechuu ni dandeenya. Akkuma jecha, Wolof jechuudha. Walaalaan, dhugaa bira otoo hin ga'iniin dura si ajjeessa.

  Yoos immoo nuyi fayyinna guddaa akkasii isa gooftaan ofii isaatii jalaqabatti dubbate tuffanne,attamitti isa jalaa baana ree? Ib 2:3.

  Waa'ee fannifamuu kristos dubbachuun warra karaa badiisaa irra jiraniif gowwuummaadha; nuyi warra karaa fayyinaa irra jiruuf garuu, inni human Waaqayyoo ti.1 qor 1:18.

- Faar 22:1..Waaqayyoo ko, Waaqayyoo ko, maaliif na dhifte? Ana gargaaruuf akka hin taanee maaliif fagaatte?2 Yaa Waaqayyo ko guyya gara keetti nan iyya, ati garuu naaf hin deebiftu; halkanis nan iyya ,qabbana immoo hin argadhu. Kana keessa immoo ,ati qulquluu dha.Lakka. 6 Ani garuu raammoo dha nama miti,Lakka 14 ani akka bishaanii nan dhangala'e, lafeen koo hundinus wal gad dhise;onneen koos akka gaga ana keessa ni baqe;Lakka 15 qoonqoon koo gogee na awwaarae,

  Arranii koos laagaa kootti qabate; atis biyyo du'aa keessa na ciibsita. Lakka.16 Warri akka saree adamsan ana ni naana'an,**Lakka 18, isaan uffata koo ni hirmaatan, wayyaa koottis muka ni buufatan.**

- **Daawit waggaa 1000 dura isa raajee sun, Wangeela keessa ta'e.**

  Erga isa fanisanii booddee muka buufatanii uffata isaa hirmaatan. Maat 27:35-40.

- Yaa Waaqakoo maaliif na hinraaffatte? Deebiin Waaqayyo maal ture, deebiin Waaqayyo cubbuun adabamuu qabaa isa jedhuudha. Goftaanis, cubbuu keenyya baattee, caldhisee adabbii san fudhatee malee, akka dabiinsa haqatti hin fudhanne ture.

Isa cubbuu tokko illee hin qabne, nuyi karaa isaa qajeelina Waaqayyoo akka argannutti,nuuf jedhee cubbamaa isa gudheera.2qor 5:21.

- Faar 16 irra lakka.10 Ati iddoo lafa jalaatti ana hi laattu, isa siif of kannes ijaan iyyuu qilee akka argu hin gootu. Daawit akkasuumas Masihiin akka du'a mo'ee ka'uu raajee ture.

  Inni caaffanni qulqulla'oon akka jedhanitti ,kiristoos cubbuu keenyaaf du'eera, inni awwaalameera,caaffanni qulqullaa'oon akka jedhanitti guyyaa sadaffaattis du'aa kaafameera. 1qor 15:3-4.

  Waaqayyo akkana jedha Faar 110:1 Waaqayyo gooftaa kootiin , "diinoota kee ejjeta miilla kee hamman siif godhutti, ati gara mirga koo taa'i!" jedhe. Faar 110:1.

- Dhuma irratti Faar 22:27 Andaarii lafaa hundinuu ni yaadata, gara Waaqayyoottis ni deebii'a; qomoon saba hundumaas fuula isaa duratti ni sagada. Dhiphinni Gooftaa yesus mo'icha akkanaa fideedha! Biyya lafaa hundumaa gara milla Waaqayyo fideera.

  Yoh 19:30. Yesus daadhii dhangaggaa'aa sana erga afaaniin qabee booddee, " Fiixaan ba'eera" jedhe.Faar 22:30.

  Namnii isatti amanuu sirumaa hin baduu Yon 3:16.

  Nuyis warra amanuufis immoo akka lakka'amu caafameera, nuyis Waaqayyo isa gooftaa keenya yesusin warra du'an keessaa kaaseetti ni amanna. Roomaa 4:24.

*Warri akka saree adamsan ana ni naanan…. Haara koo fi miilla koos uranii ni fullaasan.* (Faar. 22:16).

Waan nu dhageessaniif galtoomaa, Waaqa hundumaa danda'uu fula isaa isiniif haa ibsuu isinittis haa araaramu, miilkaa'a!

## KUTAA LAMMAFFAA BARUMSA 52 FFAA

## RAAJII SOLOMOON.

## 1MOOTOTA 2-10,FAAR 72.

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- ♣ Fakkeenayaaf Waaqayyo gara mana kee dhufee, wanta barbaaddu kadhadhuu siif nan keenna jedhee yoo si gaafatee maal filata? Yookiin maal gaafata? Uumrii dhaa gaafattaa? Qabeenyaa guddaa gaaffatta? Beekamtii..? ala tokko Waaqayyo gara Solomon abjudhaan itti mul'atee, **wanta barbaadduu nagaaffadhuu siif nan keenna, jedheen.Wanta Solomon gaafatee yaadata? Deebiinis Waaqayyo maal ture?**
- ♣ Barnoota dabran keessa Waa'ee Daawit, akkasumas, wanta Waaqayyo isatti mul'isee, fayisaa biyya lafaa namoonnii isa akka ajeesanii fi Waaqayyoos du'a isa akka kaasuu raajee ture.Hardha ilma Daawiit **Solomon**,Afaan Arabaatiin immoo ( Suliyemaan) ilaalla.
- ♣ 1Mootota 2:1Daawit yeroo du'uu isaa yommuu dhi'ate ilma isaa Solomoonin waamee gorsa kanatti fufee jiru ni kenneef. Gorsi isaas , yeroon du'uu kootii ga'eera ;ati garuu jabaadhu, gara-kuteessa ta'i! Iddoo dhaqxuu hundumaatti wanti ati gootu hundinuu akka wal siif qixaatutti waan Waaqayyo goftaan si irraa barbaadu raawwadhu! Karaa isaa irra Deeddeebi'i! Akkuma seera Musee keessatti caafamee jirutti seerrata isaa abboommii isaa wanta isa duratti qajeelaa ta'ee fi dubbii isaaf dhugaa ba'uu eegi! Daawit du'ee abbooti isaa wajjiin boqate, magaala Daawititti awwaalame, Daawit waggaa 40 Israa'elii bulche, eerga Daawit du'e bode, iddoo isaas, ilmii isaa Solomon, mootummaa isaa ijaare.Lakka. 12.
- ♣ 1King 3:3Solomon, waan Daawit gorseen raawwachuudhaan Waaqayyoon gammachise, …haalkanis abjudhaan isatti mul'dhate wanta barbaaddu na kadhadhuu siifan keenna jedheen. Solomonis Waaqayyo koo ani mucaa dhaa ,ati garuu bakka abbaa koo

namudde, kanaaf saba guddaa kana bulchuu akkan danda'uuf ogummaa naaf keennii jedhee kadhateeni. Waaqayyoos Deebii Solomon deebiseen ni gamadde, akkana jedheenis, ati uumrii dheera, badhaadhummaa fi beekkamti hin gaafanne, du'a dinoota keetiif hin gaafanne; kanaaf, ani waan ati hin gaaffanees ogummaa fi dandeetti irra dabalee siif nan keenna. Keennaa akkanaas namnii tokko ille asiin duraa fi gara fula duraattis hin argannee hin argatuus.

- Lolomonis gara Iyerusaalem deebi'e, 1king 3:16 gaaf tokko dubartoonni ejjitoonn lama gara Solomon mootichaa dhufanii fuula isaa dura ni dhaabbatan. Isaan lamaan keessaa isheen tokko mootichaan , yaa gooftaa koo ,anii fi dubartiin tun mana tokko keessa jiraanna, utuma walii wajjiin jirruu ani mucaa dhiiraa nan da'e.Mucaan koo dhalatee gaafa guyyaa sadaffaa gubartin kunis ni deesse manicha keessa nuyi lamaan malee namni kan biraa hin turre.Lakk. 19 Dubartiin tun hirriba keessa mucaa ishee irra waan cifteef,mucichi ishee duraa ni du'e.

- Kana irratti Solomoon mootichi ,Isheen kun , 'mucaan koo isa fayyaa dha,,kan kee immoo is du'aa dha' jetti waan ta'eef, egaa billaa anaaf fida! Jedhe; achumaanis billaa ni fidan.Mootichi itti fufee," muccaa isa fayyaa idoo lamatti hiree, walakaa gara tokko ishee kanaaf ,walakaa gara tokkoo immoo ishee sanaaf kennaa!" jedhee ni abboome.Yommus dubartiin isheen mucaan ishee fayyaa jiru sun naatee mar'umaan ishe waan raafameef, mootichaan," yaa gooftaa ko, mucicha isa fayyaa kana ishee dhaaf kenni malee hadaraa hin ajjeesiin!" jette; isheen kaan garuu," Mucichi anaafis siifis akka hin taanetti iddoo lamatti gara gara haa baqafamu! Jette.Lakka, 27 mootichi immoo deebisee,Dubrtiin isheen jalaqaba waa'ee mucichaa dubbatte dhuguma haadha isaa waan taateef, mucaa isa fayyaa kana isheedhaaf keenna malee,hin ajjeesinaa! Jedhe.Lakka. 28 **Guutummaan saba Israa'el firdii solomoon mootichi farade yommuu dhaga'e,akka inni firdii haqaa faradudhaaf Waaqayyo biraa ogummaa argate baree baay'ee ulfina ni kenneef.**

- 1king 4:29 Waaqayyo ogummaa fi hubannaa guddaa yaada bal'aa isa akka cirracha aqarqara galaanaa hammana hin jedhamne Solomooniif ni kenne.Ogummaan kunis okummaa takka biyya lafaatti hin muldhannee ture.

- Ogummaa Solomoon Waaqa irraa argatee ,dhageesse, giftittiin Saabaa, isa dow'achuuf fageenya kilometina 2000 imaltee Iyerusaalem demte.1king 10:1 Isheenis, ogummaa isaa qorudhaaf gaafilee gara garaan isa sakataate. Innis waan tokkoo illee itti hin ulfaanne ture. 1king 10:6 yommus isheen mootichaan, inni ani waa'ee hojii keetii fi waa'ee ogummaa keetii biyya kootii dhaga'e dhugaa dha. Garuu hamma ani ofii kootii dhufee ija kootiin isa argutti dubbii kana amanuu hin danddeenye; kunoo walakaadhumatti isaa iyyuu anatti hin himanne; ati isan dhaga'e caalaa ogummaa fi badhaadhuummaa baay'ee qbda.
- Maat 12:42 Motiin biyya gara mirgaa guyyaa firditti dhaloota si'anaa kanaa wajiin kaatee ni mul'attis ittis ni farachiifti. Isheen ogummaa Solomoon dhaggeeffachuudhaaf biyya fagoo dhaa dhufteetti;amma garuu,kunoo, inn Solomoon irra caalu as jira" jedhe. Tarkaanfiin dhugaa bira ga'uudhaaf fudhatte, namoota masihiicha didan irra ni fardchisa jechhudha. Isaan dhugaa bira taa'anii dhugaa falman ture, garuu giftiin Saabaa, waanuma gurraan dhageessee ilaalufii baruudhaaf biyya fagoodhaa gatii baafatte dhufte.
- Ati hardha ilma namaa hundumaa fayisuudhaaf du'e dhagahaartaa laata? iddoo keniteefi jirtaa laata? Akuma namoonni hedduu akka eergamoota keessaa isa tokko godhani fudhatan atis haluma kanaan ilaaltamoo, Masiih biyya lafaa hambisuu gotee fudhachaa jirta?
- Faar 72: 2 inni haqaan saba keef firdii haa keennu,
  Warra gadamoofis madaalitti firdii hoo eegu!.....8 galaanaa hamma galaanaatti laga(Efraaxaasi) hamma andaara lafaatti haa mo'u.11 Mootonni hundinuu isa duratti haa gombifaman, Sabni lafa irraas isaaf hoo hojjetan!
  Rajonni hundinuu, namnii isatti amanu, hundinuu maqaa isaatiin dhiifamuu cubbuu akka argatu, isaaf dhugaa ba'aniiru" jedhe.

**Motiin biyya gara mirgaa guyyaa firditti dhaloota si'anaa kanaa wajiin kaatee ni mul'attis ittis ni farachiifti. Maat 12:42**

**KUTAA LAMMAFFAA BARUMSA 53 FFAA**

**RAAJII ELIIYAAS**

**1Moot 6-18**

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota dabree keessa Waa'ee Solomoon ilma raajii Daawiti barannee turre;Waaqayyo Solomooniif ogummaa fi dandeetti addaa keeneefi ture.Bura isaattis Iyerusaalem, magaa midhagduu fi guddoo adunyaa turtte.Solomoon Dunkaana yookiin waaroo bakka busuudhaafis mana qulquluummaa ijaare. Mana qulqulluummaa kana ijaaruudhaafis Solomoon hojjatoota 200,000 mindeessee ture. Mana qulqulluummaa sanas xummuruudhaaf waggaa turba fixee ture.

- **Wayita Mannii qulqulluummaa xumuramees, Luboonnii/Qaalloonnnii, hoolootaa fi sangoota kumaatama, kaneen fakkeenya aarsaa fayisaa gutummaa biyya lafaa ta'ee agarsisan aarsaa godhanii dhiyeesanii turan.** Sirnii aarsaa erga dhiyaatee booddee, luboonnii /Qaalloonnii, saanduqaa kakuu, isaa dunkaana yookiin Waaroo walga'ii keessa ture, mana quqlqulluummaa Solomoon ijaareetti ulfiinnaan galchanii turan.Akumma Luboonnii/Qaalloonnii mana caalaa qulquull'aa sanaa ba'anitti, ulfinnii Waaqayyoo idduu sana gute.
- **Kitaabnii qulqulluun, dhumnii Solomoon, akka jalqaba isaa akka hin turre, nuf barsiisa.**

*Mootichi Solomoon warra ormaa keessaa intaloota baay'ee ni jaallate;…lakka. 4 Solomoon yeroo dulloometti dubartoonni isaa yaada isaa gara waaqayyoolii kan biraatti ni jal'isan.1Moot 11:1,4.*

- *Kannama dinqsiisuu, waaqoolii ormaa sanaafiis iddoo aarsaa tulloota bahaa Yeruusaaleem irraa ijaareef ture. Dugda isaa gara Waaqayyootti deebiisuun isaa, Waaqayyoon gadsiseen ture.*

  *Waaqayyoo kana irratti Solomooniin , " Erga ati akkana gootee, kakuu anaa wajiin galtee fi seerata koo isa ani si abboome cabsitee, ani dhugumaan mootummaa kee irraa cabsee, hojjattoota kee keessaa isa tokkoof nan kenna.Haa ta'uu malee, mootummaa isaa hundummaa hintarsaasnuu, gosa tokko garbicha koo Daawitiif nan keenna. 1Moot 11:11-13.*

- *Mootummaan Israa'elis iddoo lamatti hiramee,* ***Israa'el fi Yihudaa*** *jedhamanii mootummaa lama ta'an. Goostii kudhan, Israa'el jadhanii mootummaa mudan,Gosti Yihudaa immoo gosa Biniiyaam wajjiin ta'e Yihudaa ufiin jedhe mootummaa gara biraa mude. Kakuun Waaqayyoos isa Daawitiif kakatee tora kana keessaa ba'ee jechuudha.Akka carraa ta'eetii Mootonnii Israa'elii fi Yihudaa bulchaa turan, Waaqayyoof amanamoo hin turre.* ***Isaan hundummaa caalaa immoo, Mootichi Akaabiin Mooti 8 ffaa ture, mooti hamaa ture.***

  *Akaab ilmi Omrii mootota warra isa dura turan hundumaa caalaa Waaqayyoo duratti wanta hamaa ni hojjete.1Moot 16:30.*

Bara sana keessa namnii Waaqayyoo dura qajeelaa ture Eliyaas jiraata ture. Waaqayyoos, biyyatti keessa roobnii akka hin dhufneeitti hime, 1Moot 17:1, cubbuun namoota hamaa, warra haqa irraa balaa akka fiduu agarsisa.Kanaaf waggaa sadiihiif roobnii lafa Israa'el irratti hin roobnee ture. Waggaa sadaffaatti Waaqayyo, Eliiyaasiin, Akaabitti mul'adhuuti akkana jedhiini jedheen, biyyatti irra rooba nan eergaa, jedhi itti him.Akaabinia, Eliiyaasiin yommu argeetti, kan Israa'eliin rakisaa turte si'I jedheen. EEliiyaas mootichaaf deebisee, kan Israa'eliin rakisee anaa miti; kan Israa'eliin rakisee isiif mana abooti keeti dhaa jedheen.Dubbii Waaqayyo dhiisee,

Israa’el Baa’liin akka dukaa bu’an ni gote.Amma gutummaa Israa’el akkan arguuf Tullluu Qarmeeloosi irra walitti naaf qabii jedheen.Akkasumas, raajoota baal 450 fi  raajoota Asheera 400 isaan maaddii  Elzaabeeti irraa nyaatan naaf waamii jedheen. Kanaaf Aka’aab  gutummaa Israa’eti keessaa raajoota waamsisee tulluu qarmeelos irra waltti qabe. **Eliyaas isaan jidduu deedeebi’a hamma yoomitti yaada lamaan  okooltan? Waaqayyoo Waaqa dhugaa taanaan isa hordoofaa yookiin imoo  Baal inni jedhamuu yoo Waaqa dhugaa ta’e isa hordoofaa isaaniin jedhe waldaan sun garuu waan tokko illee hin dubbanne.**

Lakka.22.Raajoota Waaqayyo keessaa ana qofaa dhaa, Baal garuu raajoota 450 qaba. Sangoota lama nuf qopheessaa, isaan keessaa isa tokkos haa filatan, mumuurani muka qophaa’e irra oto abidda itti hin businii haa kaa’an.Anis sangaa isa kaan totoolchee muka qophaa’ee  otoo abidda itti hin busiin  foon mummuurame  nan kaa’a jedhe. Isiniis Waaqa ni Waamtu anis nan waamaa waaqni  **abiddaan deebisee** Waaqa dhugaa dha jedhe. Walddaan waan ati jettee dhugaadha jedhan. Raajoonni baal akkuma Eliyaas ajajee raawwatan, gara Baals ganama irraa hangga galgalaa waaman ,deebiin tokko illee hin jiru.Sirbanis, weellisanis kan isaan dhagahee tokko illee hin turre.Eliyaas isaan irra qosuu jalqabee, rafee ta’u danda’a, karaa deemee ta’u danda’a, hojiin itti baayyatee ta’u danda’a jedhe isaanitti taphate.

Lakka.30 Eliyaas namoota hundumaaf, gara koo as kottaa.Isaanis gara isaa ni dhufan, waan iddoo aarsaa gubamuu irra dhiyeeffamuu qopheessuu jala qabe. Eliyaas dhakaalee kudha lama maqaa ilmaan Yaaqob kan Israa’el jedhamee moggaafameen ni dhaabe. Dhakaalee kanaanis iddoo aarsaa Waaqayyoof ni ijaare, naannoo isaatittis bolla litiri kudha shan baachuu danda’u ni qote. Muka qoqophaa’e sanas irra ni kaa’e,akkanas ni jedha, bishaan okkotee afur irra naqaa isaannin ni jedhe. Waan kanas aarsaa qophaa’ee irratti deeddeebisani akka naqan isaan ajaje. Yeroo sadii waan irra busaniif bishaanichii gutee jigu jala qabe.

Lakk.36. Eliyaa yeroon aarsaan gubabu dhiyaatuuf ta’utti. “ Waaqa Abrhaam Yisaaqi fi Isra’e. haardha Israa’el keessa ati Waaqa akka taate, anis garbicha kee akkan ta’e ,kana hundumaas akka yaada keetti raawwadhe haa beekamu.Namoonni kuneenis ati Waaqa akka taate  atis onnee isaan akka deebistu haa beekan.

Abiddis Waaqa irraa bu'e wantta iddoo aarsaa irra qophaa'e hundumaa fi bishaan boolla qotamee irra bufame hundda ni jaate.**Namoonni naana'ani turanis waan kana wayita arganitti, kufani inni dhugumaan Waaqa dhugaati ni jadhan.**

Lakka. 38 . Eliyaas raajoonni Baal tokko illee akkan hin miliqneetti ajaje sulula kishonitti geese isaaniin ni qale.Eliyaas mootichi manatti galee akka nyaatuufi dhuguf isa ajaje, Eliyaas garuu gara gaara Qarmeelos gubbaatti ni ol ba'e.Achittis Eliyaas jilbimfate mila lamaan isaa jidduu gara lafaa ilaalu jalqabe.Ergasi dumeesi dumeesse guraata'e, qileensii qileensa'e roobni jabaanis ni robe.

Seenaan ilaallee jirruu sun baayyee jabaadha. **Eliyaas waldaa Israa'elitti hamma yoomitti okkooltan jedhe dubbate jalqabatti waan tokko illee hin deebisne turan, eerga abiddii waaqa bu'e booda garuu,kufani baayyee raafamani, inni Waaqa haqa ti jedhan. Labsi guyyaa tokko labseen garaa isaani gara Waaqayyoo deebise.**

**Egaa Waaqayyo kadhannaa Eliyaas maaliif deebise? Kun waan ta'eef, Eliyaas Waaqaa fi dubbii isaatti waan amaneef ture. Dubbiin ijoo waaqayyoo kadhannaa raajoota Baal dhagahuu dideef akka dubbii Waaqa dhugaa tiif dubbii isaatti waan hin kadhaneef ture. Arsaa aarsan malee isa garaa dhugaatiin hin tajaajilan turan.Sirna amantaa yommu geeggeessan, tajaajiltoota fakaatan malee fakeesitoota turan.Jireenyii keenya haardha maal fakaata mee? Waaqa dhugaa, dhugaadhaan tajaajilla? Akka fedhii isaa tajaajilla? Nutii hojjattoota haqaati? Yoo akkas taanaan nu dhagaha.Ameen.**

**Waan nu dhaggeeffataniif golatooma, milkaa'a waaqani hundumaa danda'u isiin dura haabu'u.**

***Haamma yoomitti yaada lamaatti okkoltu, Waaqayyo dhugaa yoo ta'e, yookiin immoo Baal dhugaa yoo ta'e filadha.***

(1 Mooto 18:21)

## KUTAA LAMMAFFAA BARUMSA 54 FFAA

## RAAJICHA YONAASI

### YoNAAS

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Saganttaa dabree keessa waa'ee raajii **Eliyaasi** barannee turre. Hafuurrii Waaqayyo isa irra waan tureef raajii guddaa ture.Waggaalee sadaniif walakaatiif Israa'el keessa yeroo robnii dhabameetti Waaqa kadhate Waaqayyos kadhannaa isaa dhaga'e roba saba sanaaf keenne ture. Akkasumas, raajoota sobaa kan Baalis falme fula dura walddaa Israa'el raajii isaan salphisee ture.Kanaaf yaada namoota hedduu gara ofitti deebisuudhaaf Waaqayyo isatti gargaarame ture jechuudha.

Haardha itti fufne nama Israa'el kan akka Yonaas( afan Arabaatti Yunus) kan jedhamu raajii akka waame ni ilaalla.**Innis gara dinoota Israa'el deeme akka labsuu Waaqayyoon ergamee ture.**

Yonaas 1:1 Dubiin Waaqayyo gara ilma Amaatee dufe: gara magaalaa guddoo Nanawwe deemiti yakki ishee gara koo ol waan dhufeef, mormiti lalabi.

Waaqayyo maala akka jedhe yaadatta? Nanawween magaala guddoo kan Asorii turtte.Sabnii suniis gudisanii jaldhoota turan. Isaanis saba Israa'el balleessuuf barbaadan! Waaqayyo maaliif

saba Israa'el jibbaniifi diqqeesaniit Raajii Yonaas eerge laata? Waaqayyo dinoota Israa'elootaafis jaalala qabaa laata? Eeyyee dhugaadha, garuu cubbuu isaaniif isaan ni adabaa, haa ta'u malee, akka balleeffaman hin barbaadu.Waa'e kanaatiif, akka sammuu isaani geedaraniif isaan akka akeekachisuu raajii Yonaas gara isaani eerge.Gara Waaqayyo deebi'ani akka fayyan jechuudha.

Garuu, Yonaas gara dinoota isaa deemee akeekachisuuf hin barbaanne.Akasumas raajii warra Nanawwe ta'uuf hin barbaadu ture! Garuu ergama isaa dhisee gara biraa sokkuuf yaadee, haa ta'u malee argamuu Waaqayyoo duraa eessa miliquu danda'a laata?

Yonaas 1:3 Yonaas garuu isa dhiisee,fuula Waaqayyoo duraa mandara Tarshiishitti baqachuudhaaf ka'e;mandara yoopheetti gad bu'ee markaba Tarshiish dhaqu argate; inni warra markabichaa wajjiin adeemuudhaaf gati isaa baafatee, fula Waaqayyoo duraa gara Tarshiishitti sokkuudhaaf keessa ni lixe. Lakka.4. Yommuus Waaqayyo qilleensa jabaa galaanichatti ni kaase;bubbeen human qabeesis galaanichatti waan ka'eef markabichi caccabuu bira ga'e.5 Yeroo sanatti warri markaba oofan ni sodaatan;namnis aduma addaan gara Waaqayyo isaatti iyye;akka itti salphatuuf mi'a markabicha irraa garaa galaanaatti gad daddarban;yonaas garuu kutaa markabichaa keessa lixee ciisee ,rafees of gate ture.6 Ajajjaan markabichaa immoo isatti dhi'aate. "Attamitti akkas of gattee rafta? Ka'ii Waaqayyo kee waammadhu!Waaqayyo kun akka nuyi hin badneef nu yaadata ta'a! jedhan" jedhe. 7 Namoonni doni keessa jiran hundii mee kaanee carraa baafnee balaa kanaaf ka'umsa akka ta'e ni beeknaati jedhan. Carraan sunis immmoo Yonaas irra bu'e. Isaanis balaa kanaaf madda kan ta'ee ennuu nutti him? Hojiin kee maali? Saba kamii keessaa dhufte? Biyyii kee essa?, innis akkana jedhe deebise; ani gosnii koo Ibroota, Waaqa samii galaanaafi ardii uumee ni Waaqeessa. Kunis baayyee isaaniin dhiphiise. Wantti dalgde kun inni maali? ( Isaaniif waan ibseef Waaqa jalaa akka baqatee barani turan). Galaanis sutuma sutaan tasgabaa'a dhufu jalqabe. Egaa galaanni akka nuf itituuf maal akka gonu nu goritaa? Jedhani isa gaaaffatan. Ol fudhati galaana keessa na darbadha, yeroo sana galaanni ni itita isaaniin jedhe. Suulaan yookiin bubbeen galaana irraa kun maqaa kiyyaan isiin irra akka ka'e nan beeka. Nama kana galaanatti darbuu manna jedhani, meeshaalee isaani gara galaanaatti darbuutti ka'an, garuu bubbeen galaanicha caalaatti dabale. Lakka 14 isaanis Yaa Waaqayyo keenya lubbuu nama kanaa balleessuu keenyatti nun hin ajjeesiin. Nama qajjeelaa, ajeesuu keenyaan, nun hin gaafatini, garuu akka jaalala keetti hojjadhu. Isaanis ol fudhani Yonaasiin gara

galaanichaatti ni darbani, galaanni giriisuu tasuuma ni dhaabbate. Namoonnis Waaqayyoon akka malee sodaatani, isaafis aarsaa dhiyeesan akkasumas kakuu seenani turan.Waaqayyos akka Yonaasiin liqimsuu, qurxummii guddaa tokko qopheesse, **Yonaasis, garaa qurxummii sana keessa guyyaa sadanii fi halkan sadan ture.**

Seenaa Yonaasi wayita ilaalli, hangga ammaatti Waaqayyo yoonaasiin hordoofaa turan. Raajii baqataa ! ture, garuu, haarka yookiin, ija Waaqaa jalaa miliquu hin dandeenye.

Waaqayyo Yonaasiin maaliif akkanatti barbaade laata? Kunis kan ta'ee, isaa Waan jaallatuu fi ,Yonaas feedhii Waaqayyo akka raawwatuuf Waaqayyoon waan filatameef ture. Kanaaf ture, Qurxummii guddaa, Yonaasiin akka liqiimsuu garuu akka hin dunee godheef.

Garraamiin Yonaas! Ufii isaa garaa qurxummii guddaa keessa arge! **Egaa Yonaas lubbuu isaa olchuuf maal godhuu qaba lata? Waan tokko ille dalagu hin danda'u! Carraan qabuu garuu Waaqayyootti iyyuu qofaadha.** Isa fayisuuf kan danda'u Waaqayyo qofaa dha. Boqonnaa lama keessa, Yonaas, garaa qurxummii keessaa akka gara Waaqayyotti iyyee ni ilaalla. Cubbuu ajajamuu diduu isaa gara Waaqayyo himate. Bulti sadaniif eeggumsii Waaqayyo akkuma garaa qurxummii keessa jirutti isaaf baa'te. Turtii guyyoota sadan garaa Qurxummii sana keessa Yonaas wanta tokko barate; fayiisuun kan Waaqayyoo ti ! 2:10. Ergasii Waaqayyo qurummichatti ni dubate, inni immoo gara lafa gogaatti baasee Yonaasin ol deebise.

It fufe dubbiin Waaqayyo gara Yonaas dhufe, Yonaas 3:1, akana jedheen, gara magaalaa guddoo deemitii wanta ani sitti himee itti himii; Yonaasiis, dubbii Waaqayyo dha ga'ee gara Nanawwee dhaqe.Naawween magaalaa guddaa fi bal'aa waan taa'eef, ishee keessa naana'uuf guyyaa sadan ni gaaffata.

Guyyaa jalaqabaatii Yonaas, magaalaa dow'achuu jala qabee, haaluma kanaan, guyyoota 40 magaalatti naan'ee, Nanaween ni diggamti jechaa ni lalaba ture.

Lakka. 5 **Namoonni Nanawwee dubbii Waaqayyo ni amanan**, soma fi sagada ni labsan, xiqaa jalqabee hangga guddaa jalqabani, wayyaa gaddaa ni ufatan.Dubbiin kun gurra Mooticha

Nanawwee ga'ee, innis wayyaa mootummaa isaa mulqee, wayyaa gadda keewwate, daaraa irrattis nitaa'e.Mootichis, loowwaniin dabalatee waan tokko ille akka hin dheedne ajaje, uumamani hunddii wayyaa gaddaa akka keewwatan ajaje. Namnii hundinuu jaldhinna isaa irra fi cubbuu isaa irraa haa deebi'u. Maal tu beeka, Waaqayyo dheekamsa isaa irraa deebi'ee garaa nuuf laafa ta'a.Deebi'uu isaan argee, Waaqayyo isaanii fi laafe, balaa isaan irra dhufuuf jiruu isaan irraa deebise.

Yonaas garuu dalagaan Waaqayyo isa hin gammachisne ture. Yonaas waa'ee kanaaf baa'ee dallanee, aaree ni boba'ee; gara Waaqayyoon ni kadhate; " maaloo yaa goftaa biyya kootii hin ka'iin dura inni ani sodaadhe, isuma kana mitii ree? Ati Waaqayyo araara-qabeessa,ariitti suuta- jedhaa dha, gaarummaan kee baayee dha, wanta hamaa fiduuf jettees ni dhifta; ani beekeen harka si dursee Tarshiishitti sokke.3 Amma immoo yaa Waaqayyoo, ani jiraachuu koo ana keessaa fudhi! Jedhe. Lakka 4 Waaqayyo immoo deebisee, Ati aaruun siif ni ta'aa ree? Jedheen. 5 Yommus yonaas mandaricha keessa ba'ee mandricha irraa gara ba'a-biftuutti goree taa'e; achitti godoo baalaa walitti qabatee,wanta mandarattiitti dhufu hamma argutti gaaddisa isaa jala taa'e.6 Yommuus Waaqayyo goftaan biqiltuun akka qobboo biqilee ,gaadisa isaa mataa Yonaas irra buufatee, dallansuu isaa akka itti fooyyeesuuf godhe;Yonaas immoo biqiltuu sanatti baa'isee ni gamade. Borumtaa garuu yeroo boruun baqaqutti ,Waaqayyo raammoon tokko biqiltuu akka qobboo sana akka ciniintu ni godhe;biqiltuun sunis ni goge;yeroo aduun baatetti immoo Waaqayyo qilleensi ba'a- biftuu inni gubaan akka issatti qillensa'u ni godhe;aduunis hamma Yonaas gaggabuutti mataa isaa waraane;yommuus inni ,jiraachuu irraa du'uu anaaf ni wayya jedhe du'u ni hawwe.Lakka 9. Waaqayyo Yonaasitti ati amma waa'ee wayinitiif aaruudhaaf mirga qabdaa? Eeyyee jedhee hamma du'utti jedhee Yohaas. Wayini ati hin dhaabneef hamana aartee bobaate, isa galgala biqilee galgaluma sana gogeef. Garuu Nanawween uummata kuma 120 lowwan bitaa fi mirga isaan adda baasani hin beekne uf keessaa qabdi. Magaalaa guddoo akkanaatiif ani gadduu hin qabuu ree? Dubbii jabaa kanaan kitaabni Yonaasi ni xumurame.

Jaallatamoo dhaggeeffatoota, Kitaaba yonaas keessa amala Waaqayyo fi amallii namaa akkuma gara gara akka ta'ee akkasumas,Waaqayyo namoota jidduu wal hin caalchisuu jechuudha. Yaadni Waaqayyo Yaada Yonaasi irraa fagoo akka adda ta'ee ni ilaalla. Yaada Yonaasi keessa wal caalchisuu yommuu agaruu, fuldura Waaqayyo bir immoo walcaalchisuun hin jiruu.

Waaqayyo namoonni hunddii akka fayyan ni barbaada. Inni uuma hundumaa waan ta'eef.

Hundumti keessan yaada garaa keessani geedarachuu dhabaatan akkuma kanatti ni dhumtu. Luq. 13:3.

Yommus Phexros jaratti dubbatee, Waaqayyo akka nama wal hin caalchifne amma hubadheera. Ho.E. 10 :34.

Fayyisuun kan Waaqayyoo ti. Yon 2:10.

## KUTAA TOKKOFFAA BARUMSA 55

## RAAJICHA ISAAYAASI

## ISAAYAAS

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota dabree keessa waa'ee raajii **Yonaas** isa Waaqa jalaa baqatee ture barannee turre. Waaqayyo jalaa baqachuu jechuun, akka nama gaadisa isaa jalaa dheesuudhaaf yaalu fakkaata. Waaqayyo garaa qurxummii keessatti iyyuu isa hordoofaa ture.

Haardha kan itti fufnee ilaalluu raajicha kan yeroo isatti fufee ture kitaabni qulqulluun kan nutti himuudha.**Raajiin Isaayyaas** oto Masshiin hin dhufiniin dura waggaa dhibba torba dura raajii dhalate dha ture. Isaayaas Lubaa/Qaalluu mana qulquulluummaa Solomon Iyyeerusaalemitti ijaarsisee keessa tajaajilaa ture. Isaayaasii fi Luboonni /Qaalloonni gara biro immoo guyyaa guyyaatti, mana qulqulluummaa keessa aarsaa looni iddoo aarsaa irratti ni qopheessan ture. Aarsaaleen sunneenin fakkeenya Masihii ilmaan namaa hundumaatiif jedhe aarsaa ta'uudhaan fayisuu ture.

Guyyaa tokko, Yeroo Isaayyaas, mana Qulqulluummaa keessa wayita hojjatuu wanta ta'ee haa ilaallu:Isaa 6

Isaa 6:1 bara mootichi Uziiyaan du'etti ,Waaqayyo teessoo dheeraa fi ol ka'aa irra taa'ee andeaarri ufata isaa s mana qulqulluummaa guutee nan aarge, Suraafel isa gararraadhaan ni dhaabbatan, tokkon tokkon isaanii qoochoo ja'a ja'a qaban turan;walittii lalabaniis , "qulqulluu! qulqulluu! qulqulluu! Dha Waaqa hundduumaa danda'uu,guutummaan lafaas ulfina isaatiin guutuu dha" ni jedhu turan, 4 Sagalee walitti lallabuu isaanii irraa kan ka'es hundeen busaa balabalaa ni socho'a ture, aarris manicha qulqulluummaa keessa ni guute.5 Yommus ani , wayyoo kaa!Ani nama arrabni isa xuraa'e namoota arabni isaani turaa'ee gidduus kanan jiraadhu waanan ta'eef , iji koo s Waaqayyoon mootii maccaa waan argeef nan bade!" jedhe nan iyye! Lakka.6 kana irratti Suraafeelli warra achi dhaabbatan keessaa tokko ,barbadaa ibiddaa isa qabduudhaan iddoo aarsaatti fuudhe harkatti qabatee gara kootti ni balali'e. Barbadichas afaan kootti ni buuse," kunoo kun afaan keetti waan bu'eef yakkii kee si irraa fudhameera, cubbuun kees siif dhiifameera" naan jedhe.Lakka 8 Yommus sagalee Waaqayo isa, " Enyunan eerga ? Eenyutus ergaa naaf dhaqaa?" jedhu nan dhaga'e.Achuumaan ani immoo , " kunoo ,ani jira ana ergi!" nan jedhe. Waaqayyoo qulqulluummaa isaafi ulfinna isaa Isaayaasiif muldhisee dubbi Waaqayyo uummata Israa'eliif akka himuuf isa waamee ture.Kana jechuun immoo dubbiin Waaqayyoo dhalootaaf akka ga'uu sadarkaa kitaabaatti maxxansse. Kitaabni Isaayaas, dheeraa waan ta'eef, waliin ga'uudhaaf yeroo waan barbaaduuf, walitti cunfinee ni ilaalla.

1. ffaa Raajichi Isaayaas Yihudootaaf **oduu gadisisaa** waa'ee cubbuu isaan warra du'aa akka ta'an isaaniin yaadachise.

2.Akkasumas Raajiin Isaayaas **oduu gammachuu** waa'ee Masihi, cubbuu gutummaa biyya lafaa fudhuuf jiruu isaaniif akeekkachuse.

Walumaa galatti : dubbiin ijoo kitaaba raajii Isaayaasi;

A. Oduun gadisisaa waa'ee cubbuu fi murti:

B.Oduu gammachuu waa'ee fayisaa, iddoo cubbamootaatti gati cubbuu isaani kaffaluuf dhiphate dubbata jechuudha.

-Waa'ee oduu gadisisaa Isaayaas keessa isa dubatuu Isa 1:2 "Yaa banttiwwan Waaqa dhaga'aa ! Yaa lafaa dhaggeeffadhu! Ani Waaqayyo ilmaan guddiifadhee ol isaan nan kaase ,isaan garuu ana irratti ni ka'an; 3 qotiyyoon abbaa isaa ,harreenis gorannoo gooftaa isaatii beeke, Israa'el

sabni koo garuu hin beeku,kana hin hubatus" jedhe dubbateera.4 Saba cubbamaadhaaf ,saba yakki ulfaataan irra jiruuf,sanyii warra hamaa hojataniif ,warra amalli isaanii mancca'eef wayyoo! Isaan Waaqayyoon ni dhiisan; Waaqayyo isa qulqulluu isa kan Israa'el ni tuffatan,dugdas itti ni gatan. Lakka 13 Keennaa waa'ee hin baafne deebitanii hin fidinaa!Ani aarsaa ixaana keessanii ciiga'eera,baatii haaraa ,sanbataa fi walga'ii keessan jal'iinaaf walitti qabamuu keessanis ani obsuu hin danda'u. Lakka 14 Ayyaanan baati haaraa keessanii fi ayyaanan keessan warra beekamoo ani nana jibbe; isaan ba'aa anatti ta'aniiru, ani isaan baachu dadhabeera.Lakka 15 Yommuu isin harka keessan gara kootti bal'iftanii kadhattan ani immoo gara keessan hin ilaalu;harka keessan keessa dhiignii waan guuteef , kadhata yoo baayiftanii iyyuu ani isiniif hin dhaga'u!

Of jajuummaa isaanii ilaalchisee raajiin Isaayaas isaan haala adabee yommuu ibsuu akkana jedhe;

Sabnii kun afaan isaatiin ulfinna anaaf keenna, garaan isaa garuu baay'ee ana irraa fagoo dha; ana waaqeessuun isaanii akkasumaan,

Abboommi namaa akka seera Waaqayyootti barsiisu isa jedhe ba'eessa dubbate" jedhe. (Maatt 15:8,Isaa 29:13.)

Raajichi Isaayaas eerga isaan adabee booddee, oduu gamachisaa,warra amananiif hundda cubbuu irraa qulleessuudhaaf human qabeeessa akka ta'ee isaaniif ibse.

*Kottaa mee wali wajjiin dhugaa ni baafanna cubbuun keessan akka dhiigaa yoo isin diimeessee iyyuu, akka cabbie ni addaattu;diimaa biluus yoo isin godhe iyyuu, akka jirbii iddamaa adii ni taatu. Isaa 1:18.*

*Isa 40:1 Waaqayyoo keessan , " jajabeessaa! Saba koo Jajabeessaa!2 garaa saba Yeruusaalem kan rukutu dubbadhaatii, cubbuu isaa hundumaaf harka Waaqayyo keessa adaba dacha lama akka fudhate ,barri inni garbuummaatti rakkachaa ture, akka raaawwate,yakkii isaas akka dhiifameef ,itti himaa!" jedha. Lakka 3 Sagaleen nama lafa onaa keessaa lallabu tokkoo, Waaqayyoof karaa tolchaati haraa ,lafa duwwaa keessattis karaa goftaan keenya irra adeemu qajeelcha! Lakka 9 Yaa isa Xiyoonitti misiraachoo himtuu tulluu dheeraa irratti ol ba'i! Yaa isa Yeruusaalemitti misiraachoo himtuu,* ***sagalee kee humnaan ol fuudhii! Ol fuudhii , hin sodaatinis! Mandaroota Yihuudootaatiin , ilaa Waaqayyo keessan!" jedhi. Lakka.10. Kunoo Waaqayyo goftaan humnaan ni dhufaa , irree isaatiinis ni mo'a!***

***Kanaafis  Waaqayyo ofii isaatii milikita isiniif ni keenna ;  kuno durbi  ni ulfoofti, ilmas ni deessi ,maqaa isaas , Amaanu'el jette ni moggaafti ( Amaanu'el jechuun Waaqayyo nu wajjiin jira jechudha) Isaa 7:14,Maatt 1:23.***

*Akka Raajichi Isaayaas ibseetti Waaqayyo foon namaatiin mul'ate. Durbbii dhirri ishee bira gayee hin beeknee ilma da'uudhaan, Waaqayyoon qulqulluun ,ilmaan namaa cubbamoota gidduu argamuu isaa mul'isee jechuudha.* ***Amaanuul'el Waaqayyo nu wajjiin jiraa ! Ameen.***

Akkasumas Isaayyaas 9:2,6  Sabnii dukkana keessa jiratu ifa guddaa  isaaa ni arge warra gaadidduu du'aa jala  jiraataniifis ifin ni ba'a; Lakka 6 Mucaan nuf dhalateera ,ilmis nuf keenameera;humni mootummaa  isaa gateetti isaa irra  jira; maqaan isaa , " gorsaa ,dinqii, Waaqayyo jabaa, abbaa bara  baraa, angafa nagaa" ni jadhama.

*Yommuus iji warra jaamotaa  ni banama, gurrii warra dudaas  ni saaqama, Lakka.6 Yommus namni naafti akka  borofaa  ni utaala, warri arrabni isaanii didaas gammadanii ni ililchu; lafa duwwaa keessaa bishaanonni ni ba'u;lafa onaa keessas bishaan burqituun  ni yaa'a.Isaa 35:5,6.*

Isaa 53:5-6.

Inni garuu  balleessaa keenyaaf  ni waraaname,sababii keenyaafis  reebame ni caccabsame; nu nagaa akka argannuuf  inni ni adabame, madaa'uu isatiinis fayyinni nuuf ni argame. Lakka 12 inni cubbuu  namoota baa'ee  baatee ,waa'ee cubbuu isaaniitiifis isaaniif ni kadhate, lubbuu isaa du'atti   dabarsee kennee warra balleessaa qabanii  wajjiinis waan lakkaa'ameef,ani qooda isaa warra gurguddootaa wajjiin  nan  godhaaf, warra jajjaboo wajjiinis boojuu ni  hirmaata" jedhe.

Yaada keenya golabuudhaaf, Kitaabnii raajii Isaayaas:

1. Oduu gadisisaa  waa'ee saba Israa'el yakkamtoota akka ta'anii …. Hunddii keenya akka hoolota, karaa keenyatti facaane akka jirru:

2. Oduun gammachisaan immoo  furmaata Waaqayyo , kaayoo Waaqayyo isa ilmaan namaatiif karaa goftaa yesuus qopheessa nutti agarsisa.Isaa 53:5-6.

Waan nu dhageesaniif isin galateeffanna, eebifama, milkaa'a, waaqnii hundummaa danda'uu isin dura haaba'u.Ameen!

## KUTAA TOKKOFFAA BARUMSA 56 FFAA

## RAAJICHA ERMIYAAS

## ERMIYAAS

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Kutaa barannee dabrinee keessa raajichi **Isaayaas** waa'ee masihicha dhufuf jiruu baay'ee akka barreesse arginee turre. Oto Masihichi hin dhaltiniin baroota 700dura, Masihich Kristoos, fayisaan cubamoota , Waaqa Samii irraa gad bu'ee haala akkamitiin akka durba irraa dhaltu, jireenya haqa akka jiraatu, Baasa garaa garaa eennuu illee hojjachuuf hindanddeenyee akka dalaguu dursee Isaayaasiif mul'isee ture. Kana malees Isaayaas masihichi akka hoolaa aarsaa dhaaf maqaa gati cubbuutiif addunyaadhaaf dhiiga isaa akka loolaasuu barreessees ture. Al tokko aarsaa erga ta'ee booddee, du'a moo'ee boolla du'aa keessaa ba'ee warra isatti amananitti jirenya bara baraa akka keennuu raagee ture. Haardha immoo ,waa'ee raajicha guddaa gara biraa **Ermiyaas**i ni ilaalla.

Ermiiyaas Raajicha Isaayaas booda waggaa 100 booda jiraate. Seenaa irraa barachuu akka dandeenyuutti mootummaan Israa'el mootummaa tokkoottii hin ijaarramnee ture. Mootummaa

lamaan, jechuunis Israa'elii fi Yihudaa turan. Bara Ermiiyaas mootummaan Israa'el gara bitaa yookiin kaabaa yommuu diggamees ture. Dubbii raajootaa dhaga'anii qalbii isaani jijjiiruuf waan hin barbaaneef diinoota isaaniif dabarsee isaaniin keenne.Kan irraan kan ka'ee mootummaa **yihuudhaa** kan saba yihuudootaa duwwaatuu haafe.

Ermiiyaas gosa yihuudaati. Magaala Yerusaalami irraa kiloo metra 5 fagaatte magaala argamtuu keessa dhalate. Abbaan Ermiyaas mana qulqulluumaa keessa Luba/qaalluu ta'ee magaalaa Yeruusaaleem keessa ni tajaajila ture.Yeroo sana keessa jiraattoon magalaa yeruusaaleem caalaan isaanii yihuudoota wayita ta'an, isaanis amanttaa abooti isaani ni hordoofan turan.Haata'uu malee,**dubbicha Waaqayyo hin amanan ture.**

- ✓ Itti ansuudhaan Ermiyyas boqqoonnaa tokko irra waammamuu Ermiyaas, ni ilaalla. Ermiyaas 1:4 Dubbiin Waaqayyo akkana jechaa gara koo dhufee, Lakka.5 garaa haadha kee keessatti utuun siin hin tolchin si fo'adhe;sabaaf raajii akka taatuuf si kaase jedhe.Ani immoo yommus maaloo yaa Waaqayyo gooftaa ,kuunoo ani mucaa waan ta'eef attamitti akka dubbatan hin beeku nan jedhe.Lakka.7 Waaqayyo ammas anatti dubbatee, " gara ani si ergu hundumaa dhaqi , wanta ani si abboomu hundumaas godhii malee,ani mucaa dha hin jedhiin" ani sii olchuudhaaf si wajjiinan jira'o ati isaan duratti hin sodaatiin!jedhe; Waaqayyo kana dubbateera. ErgasiiWaaqayyo hixxatee, haarka isaa afaan koottii buusee, "kunoo ani dubbii koo afaan kee keessa nan kaa'a, ilaa akka ati buqqiftuuf , akka diigduuf ,akka balleesituuf, akka garagalchituuf akka ijaartuuf, akka dhaabduuf ani haar'a saba irratti ,mootummaa irrattis aboo siif keenneera naan jedhe.
- ✓ Kanaaf ture, Waaqayyo Ermiyaasiin kan raajii godhee waameef. Gara firoota isaa, Warra Yihuudootaatti cubbuu isaani irraa akka deebi'aniif, yoo hin taanee immoo, dheekamsii Waaqa irraa akka isaan eeggatuu akka isaan akeekkachisuuf waameen ture.
- ✓ Waantti waamicha Ermiyaasii ulfaataa taasisuu, ummannii Israa'el, **eennuu illee taanaan, cubbuu irraa deebi'aati jiraadhaa isaaniin akka jedhuuf hin barbaadan ture**.Haa ta'uu malee Ermiyaas nama haarka keennatuu waan hin taaneef, wagaalee 24 Yerusaleem fi Yhudaa hundumaa keessa, " isin cubbuu keessanii fi hammeenna keessan irraa deebitanii yoo hin qajeellee taanaan, mootummaan Baabilooni magaalaa Yeruusaaleem seene magaalatti fi mana qulqulluummaa akka diiguu nan godha, isaan

boojii'an gara lafa faggootti isin fudhatuu," jedhe labse. Kunis eergaa Ermiyaas Yihuudoota mootummaa yihuudaa keessa labsee ture.

- ✓ Erm 7:1 Kuni dubbii Waaqa irraa Ermiyaasiif dhuf dha, akkana jedha; "balbala mana Waaqayyo dura dhaabbadhuuti akkana jedhii, balbala kana seentanii warrii waaqeesitan ummata Yihudaa hundda dubbii Waaqyyo dhaggeeffadha.Lakka.3. Waaqa hundumaa danda'uu Waqqa Israa'el akkana jedha. Iddoo kana keessa akkan isin jiraachisuuf, amala keessanii fi hojii keessan tolfadha. Dubbii gowwoomsaa, isa mana qulqulluumma ,mana qulqulluummaa isa jedhuutti, hin amaniinaa(kana faarfachuu isaanitiin qofa isaanitti hin gammaduu) jechuudha; eegaaa feedhiin Waaqayyo qalbii isaanii jijjiiranii haqaan akka jiraatanii dha.Lakka.6 Nama gala, ijoollee abbaa hin qabnee , haadha hiyyeessaas yoo cunqursuu dhiistan, iddoo kanatti dhiiga nama balleessaa hin qbnee dhangalaasuudhaa baattan,waaqayyoolii ormaa duukaa bu'uudhaan wantta hamaa ufiitti fiduu yoo dhiiftan ani biyya isan bara baraan keessa akka jiraataniif abboota keessaniif keenne keessa isin nan jiraachisa.Lakka.8. **Arggaa me, isin dubbii sobaa waa'ee hin baafnee ni amanttu.Lakka.**9 Isin amma iyyuu ni hattu,,nama ni ajjeesttu,ni ejjitu,sobaan ni kakattu,Baa'aalii ixaana ni dhiiyeesituu,waaqoolii kan biraa warra ufii keessanii isaan hin beekne, duukaas ni buutu. Lakka.10 Wanta akkasi gochaa gara mana qulqulluummaa isa kan kootti dhuftanii ana dura dhaabbattani ,nuti waan ciggaasisaa kana hundumaa itti fufne yoo hojjanne iyyuu wantti nu miidhuu hin jiruu ni jettu.Lakka.11 Isin mana qulqulluummaa isa kan kootti kana holqa hattuu seetanmoo? Kunoo ani sin waan gootan kana argeera" Jedhe; Waaqayyo kana dubbateera.
- ✓ Ermiyaas, Yihuudoota Waaqa beekna jedhanii fakkeessan, garuu dalagaa isaaniitiin garuu Waaqayyo irraa fagaatani jiru. Erm 17:5 namnii nama amantu,jabina irree foonii kan abdatu, yaada isaas Waaqayyo irraa kan deebisuu abaaramaadha….lakka.9 Garaan namaa waan hundumaa irraa jal'aa dha, namnis isa qajeelchuu hin danda'u;egaa enyuutu isa beekuu danda'aree? Lakka 10 Ani Waaqayyo garaa namoo fi yaada namaa isa dhokataa qoree nan ilaala; nama hundumaafis akka akeeka isaatti fi ija hojii isaatti tti nan keenaaf jedhe.
- ✓ Sabnii Israa'el akeekkachisa Waaqayyoof iddoo hin keeninee turan.Luboonnii/Qaalloonnis dubbii Waaqayyo hin dhagenyee turan.Irrattu immoo isa rakiisanii hidhaniin maleessa.Isaan Waaqayyo dabarsee isaaniin alagaatiif akka keenuu

hin amannee turan.Warrii Baabiloon Yerusaaleem seenuudhaan magaalatti ni diigan,mana qulqulluummaa Waaqayyos ni diigan. Lubootaafi ummata qofaa otoo hin taanee mootiin Yihuudaanis dubbii Waaqayyootiif dudda keennee turre. **Mootichi billaadhaan kitaab ni tarsaase.Mootichi Kitaa Ermiyaas haagubuu malee yaada Waaqayyoo geeddaruudhaaf siruumaa hin danddeenye.**

- ✓ **Ermiiyaas arii'annaaf saaxilame, bolla keessa darbame.**
- ✓ Ummannii Israa'el Waaqa haadidan malee, waan gara biraa garuu ni dhaggeeffatan ture. Raajoota sobaa dhaggeeffatan ture. Raagdoonnii sobaa, wannii Ermmiiyaas dubbatee hin taanee, kanaaf inni, raajii dharaati jedhani odeesisan ture.
- ✓ Erm 23:16, Waaqayyo akkana jedha, waan raajoonni isinitti dubbatan hin dhaga'ina, isaan dubbii dharaatiin abdii dharaatiin isin guutu. Isaan feedhii isaanii irraa isinitti dubatuu maleessaa afaan Waaqayyo irraa dubbatan miti.Haaragan malee ani isaan hin ergine.
- ✓ Wanti nama gadisisuu, erga wanni heedduu barbadaa'ee booddee, ummannii Israa'el dhaga'u jalaqabe.

  Er 52: 4 kana irratti Nebukadnezaar mootiin Baabiloon,Zedeqiiyaan moo'ee Waaggaa sagalffaatti ,ji'a kurnaffaatti ,ji'icha keessaa guyyaa kurnaffaatti looltoota isaan hundumaa fudhate,Yeruusaaleemitti ni dulee,mandaratti duuba buufate, dallaa ittii ishee marsuu gutuummaa naannoo isheetti ni ijaare,

***Booddeetti wantti Waaqayyo Ermiyaasiif dubbatee hundinuu akka raawwatamee ni amanan. Garuu carraan jalaa sokkee ture.***

***2qor 6:2 Waaqayyo yeroo ana biratti jaallatamee fudhatameetti siif dhagaheera; guyyaa fayinnaatti si gargaareera. Jedha.***

***Michoota koo ! warra haafuuraan ni dubbanna jedhan hunda hin amaninaa 1yoh4:1.***

***" Isin ana ni barbaaddattu ; garaa keessan gutuudhaan yoo ana barbaaddattan, ana ni argattu "*** (Er. 29:13).

Jaallatamoo dhaggeeffattoota keenya hamma ammaatti nu wajiin waan turtaniif eebifamaa,milkaa'a, waaqayyo hundumaa danda'u isin wajiin haata'u milkaa'a. Amen!.

## KUTAA LAMMAFFA BARUMSA 57 FFA

## RAAJICHA DAANI’EL

### Daani’el 1,6

. **Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa  arjummaa isaatiin qopheessee  ilmaan namaa  dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Saganttaa kana dura, kitaaba **Ermiyaas** Raajichaa ilaallee turre.Raajiin Ermiiyaas  masiihiin dura bara 600 dursee ture. Ermiyaas firoota isaa Israa’eloonni, qalbii isaanii geedaratanii gara Waaqayyootti akka deebi’an isaan akeekachisee ture isaan immoo akka didan agarree turre. Kana irraan kan ka’ee mootummaan Baabiloon isaan boji’e, magaalattis akka digee agarre turre. Caalaatti isaan keessaa garrii guddaan **raajoota sobaa** dhaggeeffatan ture malee Waaqa Israa’el dhaga’udhaaf feedhii hin qaban turan. Waluumaa galatti raajiin Ermiyaas dubbatee gutumati raawwatamee, mannii qulqulluummaa fi  maggaalatiin, akkuma jirtuun gubamtee, isaan immoo gara Baabiloonitti boji’amani fudhataman jchuudha.

Magaalatiin haadigamtuu malee, Waaqayyo bara fagoo dura warra filatee hinraaffatee jechuu miti. Waaqayyo kaku Abrhaam Yisihaaqii fi Yaqoobii wajiin godhatee , “ sabnii biyya lafaa karaa keessaniin ni ebifamaa isa jedhe hin irraanffanne.” Waaqayyo karoora isaa isa fayisaa biyya lafaa baraaruu erguu hin daganne. Kana irraa kan ka’ee ummata Israa’eli biyya Baabiloonitti waggaalee 70 isaan kunuunfate , barii sunis erga raawwatame boodde  akuma kakatee sana gara magaalaa Yeruusaalemitti isaan deebise.

Haardha itti fufnee kan ilaalluu, warra booji'amanii gara Baabiloonitti fudhataman keessa kan tokko ture waa'ee Daani'el nama dargaggeessa ture ta'a.Daani'el jechuun "**Waaqayyo abbaa firdii kootii**"jechudha.Amala bareedaa Dani'el keessaa, Raariin Daani'el, Waaqayyo isa namoonnii guyyaa tokko firdiidhaaf isa dura isa dhaabaan malee enuun illee hin sodaatu. Daan'eliif kan faradu fi kan isatti faraduu Waaqayyo qofaa dha. Daani'el dubbii Soloomoon mootichi bara fagoo dura isa dubbatee cimsee ni amana ture:

Nama sodaachuun kiyyootti nama galcha,Waaqayyoon amanachuun, garuu fayinna; Fakk 29:25.

Waaqayyo kitaaba baayyee murteessa ta'ee akka barreessuu ,Daan'eliin ni kakaasse. Kitaabnii Daani'el muldhata baayyee sammuu ilmaan namaatiin hubachuuf kan ulfaatan,uf keessaa qaba.Isa fula dura raawwatamuuf jiruu kan beeku Waaqayyo qofaadha.Akasuumas, Daani'el seenaale biyyoota heddu barreesse, isaan keessaa **seenaalee biyoota tokko tokko immoo otoo isaan hin ijaaraminiin duras seenaa isaani barreesse ture**.Daani'el, waa'e ijaaramuu fi kayyoo, biyya Persia (Iraani), Griikii, Roomaa kitaaba Daani'el kessa barreesse ture. Kana jechuun biyyoon kunneen otoo hin jiraatiin waggaa dhibbaatamaan lakkaa'amaniin dura barreesse. Akuma raajoota warra kaani, Raajiin Daani'elis dhufaati masiihi isa duraa fi lammaffaa ilaalchisee barreesse ture.Dhufaatiin Masihicha du'ee aarsaa ta'uudhaan cubbuu irraa namoota akka olchuu dubatee ture. Daan 9:26. Masihin yommuu dhufu haqaan akka faraduus dudatee ture jechuudha.

*Galgala mul'ata kiyya keessa, fula dura kiyya ilma namaa kan fakaatu dumeesaan waaqa irraa yommuun dhufu argee…. Innis akka namoonnii hundinuu ,biyyoon, dhiroonnii afaan hundumaan isa akka waaqeessan, angoonii fi olaantummaan isaaf keenam.Bulchiinsi isaa kan bara baraati, angoon isaas bara baraan hin jijiiramu.Daan 7:9,10:13-14.*

*Booqonnaa duraa keessa, mootiin Baabiloon, dargageeyyan Baabiloon isa akka tajaajilan, akkamitti akka isaan filatee, ni argina.Innis isaan midhagaa fi ogeeyyi ta'an, barnoota warra Baabiloon barachuudhaaf isaan sammuu cimaa qaban ni filate. Isaan keessaa immoo Daani'el tokko ture. Kanaaf Daani'el gara mana barnoota Baabiloon iddoo dhaqeetti wanta **bitaa** ta'e isa qoname. Namnii mana barusa sana keessa baratu, dhugaati wayinii fi nyaata mootichaa nyaachuun dirqama ture. Wanti isa qore, nyaannii fi dhugaatiin sun immoo waaqilee*

*tolfamaatti isaan dhiyaatani turan. Gaa Daani'el waaqeeffannaa dharaa sana keessa hirmaachuu danda'aaa laata? hinta'u! Innis Daani'el nama Waaqaa waan ta'eef.*

*Daani'el garuu nyaata mootichi nyaatuu fi dhugaati inni dhugu soorachuudhaan akka of hin xureesineef garaa murate;Daan 1:8.Kitaabnii qulqulluu, Waaqayyo Daani'eliin yaada bitaa keessaa akka isa olchee nutti hima.*

*Daani'el of xureessuu irraa waan of eggateef, namoota kaan caalaa haarka kudhan midhagaa ta'e, bareede,.. innis yommuu Waaqa isaa jajuu, akkana jedhe,*

*Daani'el Ogummaa fi aangoon kan isaa waan ta'eef, maqaan Waaqayyo bara baraan eebifamaa haata'u! Daan 1:20. Daani'el baroota torbaatamaaf, mootummaa afur keessa hojatee, Waqayyoos isa wajiin ture.*

*Wanti Daani'eliin adda taasisuu, Daani'el Waaqa sodaata ture, hin moksu, hoorii fudhatee, haqa hin jal'isuu ture. Dalagaa dharaa hojjachuudhaan haqa jal'isuu manna boolla leenccaatti darbamuu filata ture.*

Daani'el 6:1 Daani'el mootichi kutaa mootummaa isaa hundumaa akka bulchaniif ,namoota dhibbaa fi digdama hojii mootummaa irra dhaabu ni jaallate; isaan irratti immoo namoota sadii mataa godhee iraa kaa'ee; warra sadanii keessaas tokko daani'el ture;3 Daani'el kun hafuura hundumaa irraa calu waan qabuuf , adduumaan ba'ee warra mataa ta'an ,warra kutaa *mootummaa bulchan hundumaas caalee argame; kanaafis mootichi guutummaa mootummaa isaa irra isa dhaabuu yaade.Lakka 4 Yommus warrii mataa ta'an sunii fi warrii kutaa mootummaa bulchan ,dubbii mootummicha ilaalu keessatti karaa ittiin Daani'el irratt ka'an barbaaddatan;garuu inni amanamaa waan tureef wanti inni irraa kaate yookiis balleesse tokko illee irratti hin argamne; kanaaf jarri balleessaa ittiin isa irra ka'an ,karaas hin arganne. Lakka. 5 kana irratti jarri kun , " karaa wanta seera Waaqayyo isaa ilaalu yoo barbaaddanne malee, nuyi karaa ittiin Daani'el kana irratti kaanu hin arganne!" waliin jadhan.*

*Lakka. 6 Egaa warrii mataa ta'anii fi warrii kutaa mootummaa bulchan kun wal ga'anii gara mootichaa dhaqanii. " yaa Daariyos mootii, bara baraan jiraadhu! Lakka. 7 Ati mootichi namni hamma guyyaa sodoomaatti gara kee duwwaatti malee ,gar Waaqayyo tokkootti yookiis gara namaatti kadhata tokko illee dhi'eesse, bolla leencotaa keessa akka bufamuuf abboommii dhaabataa baaftee isa ittifame kanas cimsitee hojii irra akka olchituuf,warri mata- dureen mootummichaa, warri mataa kutaa hojii irra jiran,warri kutaa biyyaa, bulchan.gurguddooni*

*nana mootichaa,abboonni biyyaas hundinuu waliif galaniiru. Lakka 8 geeddaramnniif caaffata isaatti milikita godhi! Jedhan. 9 Kanaafis Daariyos mootichaa fi ittisa sanatti ni godhe.*

*Warri hinaaffaadhaan isa irratti ka'ani kana hundumaa yaadan malee, mootichaaf yaadanii ,akkasumas, biyyattiidhaafis yaadanii miti, boodatti mootichi erga mallatteesse booddee hammeenna Daani'el irra godhamee daba isaani, haa baruu malee, waan tokko illee godhuu hin dandanda'u akka seeratti,.. carraan jiruu Waaqnii isa Waaqeesituu si haagargaaruu jechuu qofaadha… Dani'elis Waaqa isaa Waaqeesuu jalqabee, isaanis isa irra yakka barbaacha irra waan turaniif ,yeroodhaaf ni milkaa'an, seera mootummaa dadarbee jedhanii akkuma seera tumatanitti, boolla leenccaa keessa isa darbatan.*

*Daani'el 6.Lakka.19. Ganama akka lafti bari'een mootichi ka'ee ariitiidhaan gara boolla leencotaa dhaqe; Laka.20 gara boollicha isa Daani'el tureetti yommuu dhi'aate immoo sagalee yaaddootiin , " yaa Daani'el hojataa Waaqayyo jiraataa ,Waaqayyo kee inni ati ittuma fiftee Waaqeesitu, afaan leencota keessa si olchuu danda'eeraa?" jedhee gudisee gaafate. Lakka. 21. Daani'el immoo deebisee mootichaan , " yaa mootii, bara baran jiraadhu! 22 Waaqayyo koo ergamaa isaa ergee afaan leencotaa cufsiise.kanaaf isaan ana hin mine. Ajaja mootiichaan namoon dharaan hojjatoota Waaqayyo himatan, boollicha leencotaa keessa akka darbaman ni ajaje, lakkoofsa 25 irratti immoo namoonnii hundii Waaqa Daani'el akka Waaqeessan seera baasee.*

Waaqnii Daani'el ennuu ture? Inni Waaqa Abrhaam, Yisaaqii fi Yaaqobii ture. Egaa jireenna Daani'el irraa barannee, Waaqa jaallachuudhaan, feedhii isaatiif buluudhaan, baasa Waaqayyo jireenna keenna keessa shaakaluuf haa qophofnu.

Nama sodaachuun kiyyootti nama galcha,Waaqayyoon amanachuun, garuu fayinna; Fakk 29:25.

Ebifamaa milkaa'aa Waaqa hundumaa danda'u isin wajjiin haata'u waan nu dhaggeeffataniif galatoomaa Ameen.

## KUTAA LAMMAFFA BARUMSA 58 FFAA

## RAAJICHA ZAKAARIYAA

## ZAKAARIYAAS

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Sagantaalee lamaan duraa, raajiin Waaqayyo Ermiyaas Yihudoota akka akeekachisee agarree turre; qalbii isaani gara dubbii Waaqayyo deebisanii, cubbuu irraa yoo hin deebiinee taanaan ,haarkaa looltoota Baabilonitti dabrsee isaaniin keennu isa dubatee agarre turre. Isaanis dhufani magaalaa Yerusaalem diiguu dhaan isaaniin immo akaa boji'anii fudhatan yaadachisee akka ture agarreera. Yihudoonni waan hin deebineef, akkuma raajiin Waaqayyo dubbateetti magaalaa yerusaalem diganii Yihudoota immoo gara biyya Baabiloonitti garbummaaf fudhani baroota 70 akka isaaniin garboomsan agarree turre.**Kanaaf Yihudoon Waaqa dhaga'uu maqaa didanii fi biya ormaati faca'ani jechuudha.**

Idoo kanat, amanamummaa dhabiinsii Yihudootaa, amanamuummaa Waaqayyo jijiiree laata? miti!

Innis Waaqayyo gooftaan maccaa,Waaqayyo inni kan Israa'el ,Warra Yerusaalemii booji'anii gara biyya Baabiloonitti geeffaman, hundumaan…. Waggooni 70 raawwataman, waggaa torbaatama mootii Baabilooniif erga hojjatan booddee Waaqayyo isaaniin ni yaaddate,akkuma

asin dura isaan yaadachisee tures gara biya kakuutti isin nan deebisa; Lakka. 11 Yaada ani isiniif yaade anuma duwwaatu beeka; innis yaada nagaa fi yaada wanta isin gara fuula duratti eeggatan isiniif raawwachuti malee yaada isin balleessu miti.Ameen!

Yaada kana isaaniif labsuudhaan, yihuudoonni Waaqa isaani haa irraanfatan malee Waaqayyoo, gonkumaa isaan akka hin irraanffanneetti isaan yaadachise. Waggaa 70 booddee gara biyya abbooti isaaniitti isaan deebise. Dubbiin kun dubbii isaan yeroo Baabiloon boojutti jiraan Ermiyaas kan isaaniif himee ture. Dhugumaan Waaqayyo amanamaa dha! (Amanamaa kaku isaa eeggatu). Waaqayyo karaa sanyii Abrhaam, Yisaaqii fi Yaaqoobii biyya lafa isa nan ebisaa jedhee kakate hin irraanffanne. Walumaa galatti kitaaba Toraah yaada Museetti, Macaafa faarfannaa yaada Daawiti keessa, akkasumas, namoota kan akka, Iyaasuu, Saamu'eli, Solomooni, Isaayaasi, Ermiyaasi fi Daani'eli hafuuraan damaqsee kitaaba akka brreesan godhee agarre turre. Hunddii isaanis, akeeka Waaqayyo isa biyya lafaa Israa'elootatti gargaarame,fayisuuf karoorfate agarre turre.

- Haardha immoo Waaqayyo saba isaa gara Yihudaa lafa fayisaan itti dhaltu isaan deebisuu isaa agarra.Kakkumaa raajichi Ermiyaas raageetti Waaqayyo Karoora isaa raawwachuu jalaqbuu isaa ni ilaalla jechuudha. Amma dubisa keenya keessa, Baabiiloon maqaan ishee geedaramee Pershiiyaa( biyya Iraani ammaa) jedhamtee yommuu waammamtu agarra, sababiin isaas, Baabilooniin haarka Parshiiyaa jala waan waammamteef jechuudha.

Izraa 1:1 Dubbiin Waaqayyo inni karaa Ermiyaas dubbatame, akka raawwatamuutti Qiiroos mootiin faares moo'ee Waggaa tokkooffaatti, Waaqayyo yaada mootichaa ni kaase, kanaaf Qiiros mootichii, akka kanatti aanee jirutti guutummaa mootummaa isaa keessatti labsii labsisiisee caaffatanis baase. Lakka. 2 Ani Qiiros mootiin Faares Waaqayyo gooftaan bantiwwan waaqaa mootummoota biyya lafaa hunduumaa anaaf keenneera. Yerusaalem ishee Yihudaa keessatti , mana isaaf akkan ijaaruufis na abboomeera. Lakka 3 Amma saba isaa keessa namni isin gidduu jiru Waaqayyoon isaa wajjiin waan jiruuf , yerusaalem ishee Yihudaa keessatti, ol ba'ee mana qulqulluummaa Waaqayyo gooftaa isa kan Isra'el kan isa Waaqayyo mandara Yerusalem keessa jiru deebisee haa ijaaru! Lakka.4 Warri biyya keenna fedhii isaanitiin mana qulqulluummaa isa yerusaalemi keessa jiruuf keenan malee, yihuudoota warra lafa

turanitti  hafanitti meetii, warqee,,mi'a garaa garaa, fi horii qe'ee haa kennan! Jedheera Jedhe. Lakka. 7 kana malees Qiiros mootichi, mi'a mana Waaqayyo isa Nabukadnezaar  Yerusaalemii fudhatee  galee  mana Waaqayyooli isaa keessa kaa'ee ture gad ni baasise.

- Dhugumaan Waaqayyo wanta dubatee raawwatee laata? Eeyyee! Raawwateera inni gooftaadha. Waaqayyo mana qulqulluummaa mootiin Baabiloon akka diiguu dhiseen akka aggarree ilaallee turre. Amma immmoo, Yihuudoonnii feedhii qabaatan, Yerusaalemii fi mana qulqulluummaa akka ijaaraniif eeyyame ilaalla.

  Yaadnii mootii haarka Waaqayyo keessa jira, inni akka bishaanitti gara jaallateetti  isa ni deebisa. Fakk 21:1

  Gartuun hamma tokko biyya Faares dhiisani gara Yerusaalem dhufan ni agarra. Gaggeessaan isaani immoo nama gosa Yihudaa ture, **Zarubaabeli** ture. Yommuu isaan Yerusalem ga'an wanni hundinuu, diggameera, manni qulqulluummaan Solomoon ijaarees, kosii ta'eera. Kunis isaaniin baayye naasisee ture.

  Muxannoo isaani keessaa, Yihudoonni wayita achii ga'anitti, mana qulqulluummaati, aarsaa galataa dhiyeesuudhaan, baroota 70 sanneen isaan baatatee amma immoo, mana qulqulluummaa akka ijaaraniif isaan waan gargaareef  dursanii ni galateefatu jechuudha. **Mana qulqulluumaa fi magaalatti lamuu deebisanii ijaaruudhaaf waan danda'aniif galanni isaan guddaadha jechuudha.**

- Gaaffii tokko kaasuu ni dandeenya, Yerusaalemitti deebi'uun yihudoota ammaan tana nuf bu'aa maalii qaba? Jennee gaaffachuu ni dandeenya. Isaan kan deebi'an, gara Yihuudha, lafa gooftaan yesus dhalatee waan ta'eef, kunis, biyya lafaatiif gammachuu guddaa dha jechuu ni dandeenya. Yeroo Yihuudoonni gara Yerusaalem deebi'anitti, Waaqayyo raajii isaniif qopheesse, raajiin sunis, **Zakaariyaas,** jedhama( afaan arabaatiin Zakaariyaa jedhama).**Zakaariyaasiin** abbaa Yohaanisii irraa adda dha( abbaan Yohanis ,afaan Araabaatiin, Yahaayya jedhama). Sababiin Zakaariyaasiin eergameef, Yihudoota amanttaadhaani fi abddii Waaqayyotti akka cimsiuuf ture. Ergaan isaas baayyee murteessaa ture.

Zak 1:2… Waaqayyo abboota keessanitti baay'ee dheekameera, jedhe.Lakka 4 Waaqayyo gooftaan maccaa , karaa keessan isa jal'aa irraa, ,hojii keessan isa haamaa irraas deebi'aa ! jedha jedhani utuma isaanitti himanii isaan anaaf dhaga'uu ,anaaf aboomamuus dhiisanii sanaa hin ta'iinaa! Kana ana Waaqayyoo tu dubbate.

Wanta Waaqayyo karaa Zakaariyaasiin isaan akeekkachisee yaadattaa? " Waaqayyo abbooti keessanitti areera! Isinis akka isaani hin ta'ina! Waaqayyo maaliif isaanitti aree laata? maqaa dubbii isaa didaniif ture. Kunis isaan akka booji'aman isaan taasise.Sirna **amanttaa garaa garaa sammuutti nama tolu, ni qabuu garuu Waaqayyo wajjiin hariiroo dhugaa hin qaban ture.**

**Afaaniin isa waaqeessu garaan isaanii garuu Waaqa irraa fagoodha ture. Zakaariyaas isaaniin akeekachisee erga fixee booddee, waa'ee masihichaa isaaniif himuu itti fufe:**

*Isin yaa namoota Xiyoon guddaa gamadaa ! Isin yaa namoota yerusaalem , guddisaati sagalee gammachuu dhageesisaa! Kunoo, mootiin keessan , inni qajeelaan ,inni mo'aan , gad of deebisee,harree yabii keessaa ilmoo harree irra taa'ee gara keessan ni dhufa. Zaka 9:9.*

*Akkasumas Raajiin Zakaariyaas, fayisaan akka gurguramus raajee ture*

*Kana boodde ulee koo isa "Faara-tolina" jedhamu sana fuudhee nan cabse,kakuu koo isa ani saba hundumaa wajjiin galees nan cabse. Lakka.11 inni gaafasuuma ni cabe; hoolonni warri miidhamoon ana argan kun dubbii Waaqayyo ta'uu isaa ni beekan.Lakka 12 Ani isaaniin , "Yoo isin duratti qajeelaa ta'ee mul'ateef miindaa koo anaaf keenna! Garuu yoo qajeelaa isinitti fakkaachuu dhaabbatee immoo haa hafu! Nan jedhe; achuumaanis isaan miinddaa koo meetii guroo sodgomaa anaaf ni keenan.*

Inni akka madaa'uus Zakaariyyas dubbattee ture: Faar 22:16 Warri akka saree adamsan, ana nanaana'an, gareen warra haamaa godhanis ana ni marsan, haarka koo fi miilla koo uranii ni fullaasan.

Masihichi qulqulluun isaan qulqulluu hin taaneef madaa'ee madaa isaaiinis namoonni biyya lafaa akka fayyan karoora Waaqayyo ture.

*Wantta Waaqayyo namatti, mul'isee himsiisu hin tuffatinaa! Garuu waan hundumaa qoraa isa gaarii jabeessaatii qabadhaa! 1Tasa 5:20.*

*Garuu Kristos dhiiga isaa isa gati qabeessa an isin fureera; inni akka hoolaa mudaa yookiis xurii hin qabneeti.*

## *KUTAA TOKKOFFAA BARUMSA 59 FFAA*

## *GOOLABBII EERGAALEE RAAJOOTA*

## *MIILKISAAS*

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Yeroo dheeraatiif kutaa tokkooffaa macaafa Qulqulluu yookiin immoo kakuu jalaqabaa kan ta'e **kakuu mofaa** barachaa turreerra. Kutaan Jalqabaa kitaaba Qulqulluu Toraah , Faarfanna fi kitaaba barruulee uf keessaa qaba. Kitaabilee kanneenis, namoota 30 tti gargaaramee yookiin hojate waggaalee 1500 keessa kitaaba kaku kana akka barreessan isaan gargaare.Galannii Waaqayyoof haata'u. Kutaa jalqabaa jechuunis kakuu moofaa otoo hin xumuuriniin dura gabaabinaan mata dureewwan :

a. Waaqayyo qulqulluu fi abbaa firdii akka ta'e.

b. Ilmaan addaam hundii yakkamtoota waan ta'aniif murtii jala akka turan kanaanis, murti Waaqaa jala akka turan.

c.  Akeeka Waaqayyo isa fayisaa erguuf karoorfatee, ilmaan Addaami immoo karaa wareegamuu isaatiin akka fayyan  irra deebinee ni ilaalla.

Wantoonnii saddan gubbaatti ilaalluu, raajoonni Waaqayyo hunddii kanneen lalabani dha.

Wantoota sadan qalbitti qabatani? Isaan hundumaa irraa Waaqayyo isin baraaruudhaaf akka akeeka qabuu yaadate?

- ♣ Waaqayyo qulqulluudha, namnii immoo qulqulluu miti. Barnoota keenya keessa isaan lamaan kana sirritti ilaalle turre. Qulqulluummaan Waaqayyo, seexanaa fi duka butoonni isaa abiidda barabaraatti akka gubaman sababii ta'e. Kanaaf ture, Waaqayyo Adaamii fi haawwaa Dallaa Ganatti keessaa isaan waan baaseef. Maqaa isaan ija hin nyaatiinaa jedhamee irraa nyaataniif ture. Qulqulluummaan Waaqayyo ilmaan Addaami aarsaa loonii akka qupheessan isaaniin ajaje. Qulqulluummaan Waaqayyo, aarsaa Qayiini akka hin fudhannee godhe.Qulqulluummaan Waaqayyo, bara Noohii keessa cubbamoonni loolaa bishaanitiin fudhataman. Akasumas yeroo Abrihaam keessa warri Sodoomi fi Gomooraa abiddii waaqa irraa bu'ee isaan fixe. Qulqulluummaan Waaqayyo, guyyaa murti dhumarratti akka kutu isa dirqisise.
- ♣ Raajoonni Waaqayyo waa'ee qulqulluummaa Waaqayyo fi  xuraa'ummaa ilma namaa barreessani jiran  ni ilaalla.

Banttiin waaqaa hundiinuus  hojii harka  keetii ti. Ati haftee ni jiraata;

Isaan garuu baduuf jiru,

Hundumtti isaaniis akka  uffataas ni geddaramu;

Ati garuu hin geedarmtu,

Waggoonni kees dhuma hin qaban, jedhe. Ib 1:12-13.

Nuyi hundumti keenya garuu  akka wanta  xura'aa taane,qajeelummaan keenya hundinuus,akka moofaa xuraa'ummaa ni ta'e. Isa 64:6. Namnii xuraa'aa ta'e Waaqani immoo qulqulluu yoo ta'e ,abiidda bara baraa irraa olfamna?

- Deebiin gaaffii kanaa **qabxii isa sadaffaadha.** Innis, karaa isa Waaqayyo qoopheesseedha. Innis karaa wareegamuu gooftaa yesusi dha. Irra deebi'uudhaaf, **a.** Waaqayyo qulqulluu ta'uu isaa.**b**.Namnii xura'aa ta'uu isaa, **c.** Karoora Waaqayyo isaan, badiidhaaf saaxilaman isa fayisuuf karoorfateedha.
- Dubbiin ijoo kakuu moofaa keessatti, isa karoora Waaqayyo, **ilmaan Adaam fayisuudhaaf karoorfatee, isa qulqulluu fi xurii malee kanta'ee gooftaa yesus erguu isaati.**
- Karoora isa ilmaan Adaam yookiin sanyii Adaam fayisuudhaaf, Abrhaamiin waame**. Isaanis** Waaqayyo gooftaan saba haaraa uume. Saba haaraa sana keesaa immoo , gosa yihudaa keessa gooftaan yesus dhalate.**Abrhaam** Yisaaqiin dhalchee, **Yisaaq** immoo Yaaqoobiin dhalche, **Yaaqoob**, ilmaan 12 qaba ture,; isaanis saba guddaa **Israa'el** ta'an jechuudha. Saba guddaa sana keessa immoo Masihichi dhalatee jechuudha.
- Itti ansuudhaan, maatiin Abrihaam lafa Kan'aani irraa godaanani, gara Gibxii godaanani, achitti gabroota ta'ani quphatan.Waaqni kaku isaa hin irraaffanne, Musee kaasee isaan walaba baase. Waaqayyo, kitaaba **Toraah,** hunddee waan hundummaa isaa ta'ee keeneef.
- Moseetti fufe, Waaqayyo, gara isaa akka deebi'uu Israa'elootatti, eerggee ture, isaan garuu dhaga'uuf hin barbaanne. Akkasuumas, Daawitiin waamee, kitaaba faarfanna, kitaaba bu'uura ta'e barreesse. Daawitiin immoo waa'ee masihichaa, dhiphinna isaa faarfate. Dhiphachuu qofaa otoo hin ta'iin karaa fannoo isaatiin, du'a moo'e, boolla du'aa keessaa ba'e! Ameen!
- Isaan waa'ee Masihichaa barreessan, Musee fi Daawitti qofa otoo hin tane, Isaayaasis labsee ture:

Kanaafis Waaqayyo ofii isaati milikita isiniif keenna; kunoo durbi ni ulfoofti, ilmas ni deesi, maqaa isaas amaanu'el jette ni moggaafti,( amaanu'el jechuun Waaqayyo nu wajjiin jira jechuudha) Isa 7:14. Maat 1:23.

- ♣ Yeroo raajiin Isaayaas jiraateetti, raajin gara biraa jiraatee ture, innis Mikiyas jechama, Waaqayyoos, Masihichi, magaala kamitti akkan dhalatuu, Mikiyaasitti ibsee ture.

  Ati immoo yaa manda Beetaliheem Efraataa, mandara Yihuudaa, warra gurguurdoo keessa ati ishee xinnoo dha; Isaraa'eliin kan mo'u tokko si keessaa anaaf ni ba'a; hundeen isa si keessaa ba'uuf jiruus kan bara durii bara baraa ti. Milikiyaas 5:2.
- ♣ Waaqayyoon, dhufa Masihichaaf, haaloota qopheesse ture! Waa'ee dhufuu Masihicha, ragaalee dhibbaan lakkaa'aman kitaabnii qulqulluun nutti hima. Gaafi isa, Waaqayyo maaliif raajii jidduudha waa'ee dhalachuu masihichaa kaa'ee yookiin dubate? Kunis yeroo raajiin sun raawwatamuutti, isin mamii tokko malee akka amantani fi akka amannuuf ture. Kanaaf Waaqayyo dursee kitaaba Qulqulluu nuf keenne. Dhugaa fi dhara akka adda baafanee baafnuuf nuf keenne.
- ♣ Barnoota keenya otoo hin goolabiin dura, Kitaaba kakuu moofaaf kitaaba xumuura kan ta'ee **Malaakiyaasi** ni ilaalla. Kitaabni kun, Masihich, dhufuuf, amma waggaa 400 afuurtu hafeen jechuudha.
- ♣ Maal 3:1 Kunoo ani ergamaa koo isa karaa anaaf qopheessu of dura nan erga; tasa goftichi inni isin barbaaddan sun gara mana qulqulluumma isaa ni dhufa; kunoo ergamaan kakichaa inni isin hawwitan sun ni dhufa jedha. Lakka.6 Ani Waaqayyo waanan ta'eef hin geddaramu;; kanaaf isin ilmaan yaaqoob isin raawwatanii hin badne.
- ♣ Isin warra maqaa koo sodaattaniif garuu aduun qajeelummaa inni qarri isaa fayyina of keessaa qabu isiniif ni ba'a; Milik 4:2.
- ♣ Aarsaan kakuu moofaa keessa barbaachisaa ture. Masihichi immoo kakuu yookiin abdii haaraa nuf fide, innis, kakuu moofaa isaa gaadisa ture kana aarsaa dhugaa ta'u dhaan faniifamee warra isatti amanan hundummaa fayisuudhaaf

wareegame. Amen. Innis dubbii raajoota raawwachuudhaaf dhufee malee, dubbii Waaqayyo balleessuuf hin dhufne.

- ♣ Waaqayyo keenya, aaraara isaa isa oo'aan guuteen, barii fayyinnaa nuuf bariisisa; warrii dukkanaa fi gaaddisa du'aa keessatti argamanitti muldhachudhaaf miilla keenyas daandii nagaa irra geggeessuudhaa fi jedhe. Ameen! Luq 1:78-79.

Ammas dubbiin raajonni dubbatan kun caalchisee nuuf cime; isin hamma boruun baqaqutti bakkalchi garaa keessan keessa ibsus hamma ba'utti, dubbii kana akka ibsaa iddoo dukanaatti ibsuutti yaadaan duukaa yoo buutan gaarii gochuu keessan. 2phex 1:19.

Kabajamoo dhageeffattoota keenya eebifamaa, milkaa'aa, waaqa hundumma danda'uu fula isaa isin irra haa ibsu. Ameen!

## KUTAA SADAFFAA KARAAN HAQA

## HUNDDEE WANGEELAA KEESSA YOMMUU ILAALLAMUU

## BARUMSA 60 FFAA

## RAAJII YOHAANISI

### Luqaas 1

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Yeroottan dabran keessa kitaabilee Toraah, Faarfanna, fi kitaabilee barreeffama Raajoota golabnee turre.Kutaan Sunis, **kakuu jalqaba** yookiin **kakuu mofaa** jedhame beekkama.Hardha immoo kan itti fufnee ilaalluu kutaan lammaffaa Kakuu haraa yookiin waadaa haaraa jedhamee beekama.

Waaqayyoo Kitaaba qulqulluu isaa iddoo lamatti maaliif hiree laata? Jechuunis kakuu Haaraa fi Kakuu moofaa jechuu dha. Kayyoon inni jalaqabaa, kakuun moofaa, Masihichi odoo hin dhalatiniin dura waan barreeffameef ture. Kakuun Haaraa immoo kan barreeffamee Masihichi erga dhalatee ture.Kanaaf dhaamsi barreefama yokiin kitaaba jalqabaa, Masihichi akka ergamuu yookiin akka dhalatuu ture. Dhaamsi kakuu lammaffaa immoo Waaqayyo akkuma kakateetti Masihichi dhalachuu isaa dubbata.Nmoonni tokko tokko kitaabnii kakuu moofaa kakuu haaraa dhaan akka bakka bufamee dubbatuu, akkana miti, garuu, kakuun kaaraa kakuun moofaa akka kakuu haaraa keessa raawwatamee agarsisa. Raajoonni kakuu moofaa ,masihichi akka dhufuu yeroo baayyee Irra deebi'ani labsan. Masihni ni dhufa… ni dhufa, jedhani labsan, kakuun haaraa immoo, Masihichi dhufeera jedhee labsa jechuudha. Raajoonni hundii Masihichi ni dhufa jedhani isa labsan karaa dubree Maariiyaamii dhalatee dhuferaa , Ameen.

Eyyee, Kitaabni Qulqulluun Kakuu haaraa fi kakuu moofaa uf keessaa qabu isaatti guddisnee gamaduu qabna.Sababiin isaas, broota fagoo dura inni Waaqayyo kakatee waan Raawwatameef dha.**Akuma Waaqayyo fayisaan adunyaa hunda fayisuu nan erga jedhe abooti keenyatti karaa kitaba torah, Farfannaa, kitaabilee gara biroo kanneen raajootaatiin dubatee sana waan nuf eergeef ture.**

**Akuma beekamu, Kutaan inni lammaffaa kitaaba qulqulluu jechuunis kakuun haaraa, maqaa gara biraa ni qaba. Innis Injiil jedhama, injiil jechuun afaan Arabaatiin, haasaa gamachuu jedhama. Kunis, ergaan kakkuu haaraa gutumatti adda yookiin haaraa waan ta'eef ture. Waantti isa adda taasisuu immoo, ilmaan Addaamiif carraa bidii keessaa deebisuu akka keennamee waan ibsuufi dha.**

Injiil, jechuunis kitaaba wangeelaa ilaalchisee, kitaaba kakuu haaraa kana, goftaan Jesus haarka isaatiin hin barreesine.Akuma kitaba kakuu moofaa bareessaniif namootatti gargaaramee sana, kakuu haaraa kanas barreesuudhaaf, akkasumas, Waaqayyo namootatti hojjatee akka

bareefaman godhe. Seenaa Masihicha goftaa keenya yesus akka bareessan, namoota afuritti hojjate. Maqaan isaanis, Maateewoos, Maarqoos, Luqaasii fi Yoohaanis jedhaman. Seena Yesus akka barreessaniif Waaqayyo maaliif, namoota arfan hafuuraan kakaase? Nmoota afur maaliif barbaadee, nama tokkotti gargaaramee maaliif hojjachuuf hin barbaanne? Sababiin inni karaa kana barbaadeef,dubbiin isaa dhugaa akka ta'ee mirkaneesuuf ture. Shakkiin isa samuu namaa keessa akka hin umamneef ture. Akuma gabateen yookiin mijaalli mila afuriin dhabatu, milla tokkoon immoo dhaabbachuu hin dandeenyeetti, ragaa tokkoon immoo dhugaa raggaasisuuf waan hin taaneef ture. Namoota arfaniin barreeffamuun isaanii kakuun haaraa dhugaa akka ta'ee mirkaneessa jechuudha. Barreefamaaleen phaawuloos, Pheexiroos fi Yaaqoob fi Yihuudaanis, waa'ee fayisaa akka gaaritti dhugaa waan ba'aniif, qamaa wangeelaa akka ta'anitti fudhachuu ni dandeenya. Wangeelli Maateewoos Maarqoos, Luqaasii fi Yoohaanis afaan kamitiin akka barreessan yaadataa? Isaan kan barreessan afaan Grikiitiin yommuu ta'uu nuti imoo afaan ingliiziitiini fi afaan keenyaan dubbisuu dandeenyeerra jechuudha.Nuti afaan Griikii waan hin dandeenyeef, sammuu haayyoota keessa muldhata kaa'ee afaan kuma lamaan oli akka hikaman isaan kakkaase, haalas ni mijeesse.

Nmoonni baayeen kitaaba Qulqulluu yommuu falman ni ilaalla, akkanas jedhu, kitaaba Qulqulluu, akka qulqulluutti fudhachuuf nama rakisa. Dogogoora baayyee ni qaba jedhu. Yaa firoota koo namnii kitaaba Qulqulluu falmuu akkuumaa Waaqayyoon falmuutti dha.Buphaan kattaa wajjiin waldhaansoo hin dandeettu.Kitaabni Qulqulluun amanamummaa keenyaa fi aboomamuu keenya ni gaaffata. Dubbiin Waaqayyoo macaafa Tooraaf fi Faarfannaa keessa dhugaa ta'eetti, Wangeela keessattis dhugaa dha.Isaan dubbii isaatiif beela qabaniif, isaan qajeelchuuf danda'aa dha. Dubbii jiraata waaqayyo ennuu illee daangeessuu hin danda'u.

Waaqnii fi lafti dabruuf jiruu, dubbiin koo garuu  gonkumaa hin dabru! Jedhe.Mat 24:35.

Amma, kitaaba kakuu haaraa ilaaluu jala qabneerra, kutaa darbee keessa, kitaaba, Milkiiyaas, kitaaba, Masihicha dursee, bara dhibba afur ture ilaallee turre, baroota sana keessa, waaqayyo, Israa'elootaaf bara raajii hin eerginee ture. Sababiin, inni hin eergineef, kakuun inni jalqabaa waan raawwatameef ture. Waaqayyo saba isaatiif dabarsuuf barbaadee hundumaa dabarsee ture. Egaa yeroo sana keessa, Waaqayyo, yeroon kakuu haaraa raawwatamuuf murtaa'ee jiruu

haamma ga’uu egaa ni jira. Kakuu haaraa saba biyya lafaa hundumaa wajjiin dhaabudhaaf jechuudha.

Raajichi Isaayaasi fi Milikiyaas, Masihichi odoo hin dhufiniin dura raajii isa karaa qopheesuuf akka dursuu himameef ture. Raajiin sunis, Raajii Yohaanis ture.Afaan Arabaatiin Yaahyaa, ni jedhama. Abaan Yhyaa immoo Zekaariyaas, isa mana Qulqulluummaa Waaqayyoo keessa arsaa dhiyeessu ture.

Waa’ee dhalchuu Yohaanisi Kitaabni Qulqulluun, Luqa 1:5, bara Heerodis Yihudaa bulchaa turetti, balbala Lubootaa kutata Abiiyaa keessaa Lubnii Zakaariyaas jedhamu tokko ture; haati manaa isaa immoo sanyii lubootaa keessaa, maqaan ishee Elzaabex jedhama.Lachuun isaan ,abboommi goftaa fi seera isaa raawwacha, fuula Waaqayyo duratti jireenya qajeelaa jiraatan.Haata’uu iyyuu malee Elzaabex dadhabduu waan turteef, dhala hin godhanne; lamaanuu lafa gurguraniruu turan.

Darabeen balbala isaatii geenyaanis gaafaa tokko Zakaariiyaas warra kaani wajjin fuula Waaqayyo duratti hojii lubummaa isaa hojjachuudhaaf dhi’ate. Akkamalee hojii hirmaachuu isaanitti Zakaariyaas arsaa akka dhi’eesuuf, buufata mukaatiin irra bunaan, gara mana qulqullummaatti ol gale. Yeroo aarsaa ixaanaa kanattis sabni baa’een alaa ni kadhata ture.Yommus ergamaan Waaqayyoos iddoo itti ixaani itti aarfamu gara mirgaatiin dhaabatee, Zakaariyaasitti mul’ate.Zakaayiyaas yommu isa argeetti na’ee sodate.Ergamichi itti dubbatee, yaa Zakaariyaas hin sodaatiin, Waaqayyo kadhannaa kee dhaga’eera’o.Elsaabexi haati manaa kee ilma siif ni deessi, maqaa isaas Yohaanis jeettee ni mogaafta.Ati guddaa ni gammadda,dhalachuun isaas namoota baa’eetiif gammachuu ni ta’a.Innis fuula dura Waaqayyotti guddaa waan ta’eef, dhugaatti nama macheessuu hindhugu, caalaattu immoo guyyaa dhalatee irraa jalaqabee haafuura Qulqullutiin ni guttama. Namoota Irsaa’elis gara Waaqayyotti ni deebisa. Onnee abooti gara ilmaan isaani, isaan hin ajajamnees gara ogummaa haqaatti deebisuudhaaf namoota goftaadhaaf qopheessuudhaaf, fula goftaa durattis humnaafi hafura Eliyaasiidhaan ni adeema.Zakaariyaasinis ergamaa sana kun dhugaa ta’uu isaa akkamitti amana ? jedhe gaffate; ani nama umriin koo deemee fagaati haati waraa koos barri ishee dabeera; Ergamaanis, ani ergmaaGarbeelidha, ani fuula Waaqayyo dura nan dhaabbadha, anis

oduu gammachuu kana akka siif himuu ergame.Waan ani dubbadhee waan hin amanneef dubbiin kunis hamaa guyyaan waaqayyoon murtaa'ee raawwatamuutti, hassa'uu hin dandeettu.

Yeroo Sana namoonni Zakaariyaas mana qulqullummaa keessawaan tureef rakkatani turan; yeroos mana qulqullummaa keessa ba'u immoo hassa'u hindanda'u ture, isaanis muldh'ata akka argee hubatan, innis milikitaan isaaniif agarsise. Yeroo hojii isaa xummuurees gara mana isaa deebi'ee; Kana hundummaa booddees, Lelzaabex haati warraa isaa ni olfoofte; isheenis kun hojii goftaati, amma gara boodeetti na yaadate, namoota giduutti ceephoo na irra ture ana irraa fageesse, jette.

Yeroon ishee yommuu ga'utti Elzaabexi  ilma deesse, firoon ishee yeroo kana dhaga'anitti dinqii Waaqayyo hojjateef galateefan, isheenis maqaa isaa Yohaais jette mogaastte, Yohaanisis, waa'ee kanaa akka mirkaneesuu bareeffama itti keenaniif, garuu tasumaa dubaate, Maqaan isaa Yo haanis ta'uu isaa mirkaneesse,

Yohaanisi, haafura Qulqulludhaan ni guttame, Waqani Israa'eel kan saba isaa olchuudhaaf dhufee galateeffamee haata'u! Kaanfa fayinaa kaaseera! Kakuu Abrhaamiif kakatee yaaddateera;

Gara Yohaanis fuula isaa deeffatee, atis ilma kiyya,  karaa walqixeesuudhaaf fula goftaa dura waan adeemtuuf,Raajii  isaa kan ol anaa ni jedhamta;

Dhalachuun Yohaanis, dhufaatiin Masihichaa akka kalaa'ee agarsisa jechuudha.

Waaqayyo gooftaan Isrraa'el kan galateeffamuu dhaha,

Saba isaa furuudhaaf dhufe.

Fayisaa angoo qabeessas nuuf kaase,

Lataa garbicha isaa Daawit keessa. Luq 1:68-69.

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 61 FFA

## KARAA HAQA

## LABSII

## MAATEEWOOS, 1: LUQAAS 1:

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoottan 60 dabran keessa kakuu jalqabaa Torah Muse ,Farfanna Daawit keessa fi barreeffama raajootaa keessa barannee turre.Amma immoo kakuu haaraa keessaa Wangeela ni ilaalla.Injiil afaan Arabaatiin, haasaa gamachuu jechudha.Dhugumaan namoota itti amananiif haasaawaa gamachisaa dha.Innis sababiin inni haasaawaa gamachisaa ta’eef waa’ee fayisaa guddaafi isa dinqii ta’ee gutuummaa biyya lafaa raajoonnii dubatan waan labsuuf ture.

Odo kakuu haaraa barachuu jala hin qabiniin dura, Waaqayyo sanyii Adaamiif fayisaa ergudhaaf maaliif akka karoorfate ni ilaalla.Ajajamuu diduu Adaami fi Haawwaa iraa kan ka’ee ilmii namaa mootummaa Waaqayyo iraa gara mootummaa Seexanaa akka fudhate ilaalle turre. Jaldhiinnaan akka dhalannuu kan nu taasisee cubbuu Adaami akka ta’ee ni beekama. Kunis haantunni, haantutuuma isa lafa diguu akkuma godhatuu ti jechuudha.Kanaaf Adaamii fi sanyiin isaa sanyiidhuma cubbamaa horan jechuu dha.Kana irraan kan ka’ee cubbuun keenyaa nu fi Waaqayoo jidduu garaa garummaa uumee jechuudha.

Kitaabileen Toraah, daddarbuu cubbuu Adaam irra waan hin dhaabbanneef Waaqa galanni haaga’u.

Kitaabni qulqullun akkuma nutty himuu, Adaamii ni fi Haawwaan akkuma, karraa haaqaa iraa goraniin, Waaqayyo ,fayyisaa biyya laffaa hundumaa ergudhaaf karoorfate.Innis garbummaa seexanaa jalaa ilmaan namaa olchuu dhaaf danda’aa dha.Ameen! Uumama 3:15, Gala 4:4. Masihich, aarsaa qulqulluu ta’ee biyya lafaa ni fayisa jechuu dha.

Maat 1:23 Inoo kunoo,durbi ni ulfoofti ilmas ni deesi maqaa isaas Amaanu'el jedhanii ni moogaasu jedhe.

Kanaafis Waaqayyo ufii isaatii milkikita isiiniif ni kenna kunoo dubartiin ni ulfoofti, ilmas ni deessi maqaa isaas Amaanu'el jette ni moogaasti; Amaanu'el jechuunis Waaqayyo nu wajjiin jira jechudha.Isaa 7:14.

Amma mee gara dhaamsa kakuu haaraa isa, Waaqayyo kakatee, isaa karaa durba dhiirri bira hin genyee irraa dhalate haa ilaallu. Barnoota dabree keessa Gbreeli ergamaan Waaqayoo gara Zakaariyaasi fi Elsaabeex, akkaara dulluummaa isaanitti ilama akka argatani fi ilmi sunis, fayisaa raajooliin kakuu moofaa raajanis karaa akka qopheessu ilaalle turre.

Luq 1:26, Haati Yohaanis Elzaabex ji'a jahafaa isheetti, Waaqayyo ergamaa Gabr'eeli garama magaala Naazreeti eerge. Duri sunis yoseef maati Daawiti ta'eef kaadhimamtee turte. Maqaan durba sanaas Maariiyaamture. Ergamichi Waaqayyoo isheetti muldhate, Waaqayyo goftaan si wajjiin jira'o nagaan siif haa ta'uu ittiin jedhe. Maariyaam nagaa kana yommuu dhageesse yaadaan dhiphattee, kun maal jechuu dha? Jettee of gaafattee,Yommuus ergamichi ishee dhaan, yaa maariyaam Waaqayyo biraa ayyaana argattee jirta hin sodaatini, kunoo ni ulfoofta ilmas ni deessa, maqaa isaas immoo yesusi jedhii mogaasi. Innis guddaa ni ta'a ilma abbaas jedhamee ni waammama, waaqayyo gooftaanis teessoo Abaalilii isaa Daawit ni keenaaf.Mana Yaaqoob irratti bara baraan ni mo'a. Barri mootummaa isaas dhuma hin qabu jedhe.

Laka 34 Maariyaam Yommuus anoo amma illee durba, kun attamitti ta'u danda'a? jettee ergamicha gaaffatte, egamichis immoo haafurrii qulqulluun si irra ni bu'a,humni abbaas si golbooba, kanaafis mucichi si irraa dhalatu kun qulqulluu dhaa fi ilma Waaqayyo jedhamee ni waammama.Kunoo

Firrii kee isheen kan sitti antuu Elsaabex dhabdu jedhamaa kanturte, bara dulluummaa isheetti ilma godhachuudhaaf erga ulfooftee ji'a ja'affaa isheeti; Waaqayyoof wanti dhadhabamuu hin jiru jedhee debiseef. Kana irratti Maariyaam, ani garbitiin gooftaa kunoo asan jiraa, akka ati dubbattee anaaf haata'u jetteen. Kana booddee ergamichi iddoo dhufeetti ni deebi'e.

Yeroo ergamaan Waaqayyo Gabreelii ishee bira dhufu, Maariyaam, ishee Waaqa jaallattu turtee, dubra turtee, Yoseefi fi kaadhimamtee turte, garuu wajjiin jiraachu jala hin qabnee turan. Lachuu isaani, gosa Daawiti keessas turan. Masihichi kan waa'ee isaa himameef, isa dubra irraa dhalatu qofaa otoo hin taanee, maati Daawiti keessaas ture.

Waan tokko kan yaadatti qabachuu qabnuu, Maariyaam, sanyii Adaam akka hundumaa keenyaa akka taatee dha. Sirna cubbuu keessa dhalattee jechuudha. Kana waan jeneef namoonni baayee Maariyaami, gara Waaqayyootti ol qixxeessuu waan ta'eefi dha.Kuni immoo Waaqa tolfamoo akka waaqeessani dha. Waaqayyo ishee filachuun isaa, akka Waaqeeffatuuf  ishee hin godhu, dubbiin Waaqayyo, isa qofaaf sagadii Waan jedhuufi dha. Maat 4:10.

Waaqayyo, Gbreeli gara Maariyaam ergudhaan, fayisaa biyya lafaa akka deessuu isheetti akeekachisee,.. maqaa isaas, yesus ni jetta, Yesus jechuun immoo gooftaan fayisaa  dha jechuu dha. Kana malees, ergamaan Gabreeli gabaase ,jiraa innis, "**ilma kan isa ol'anaa!"**

Waaqayyo maaliif yesusiin ilma koo jedhe waameeni laata? Muslimoonni waan kana yommuu dhaga'anitti, astoofurlaahi jedhu, kuni waaqa arbsoo dha jedhu,

Akkuma mamaaksa Senegaali, tiksee looni ,afaan isaa odoo hin dhayiniin gura, afaan isaa maaliif akka sicichuu gaaffadhun jedha, kitaaba Qulqulluu keessa masihich yeroo 120 oli ilma Waaqayyo jedhameera. Haata'uu malee Waaqayyoo haadha warraa qaba jechuu miti. Kuni immoo dhugumaan arrabsoo dha.

Namnii Itoophiyaa keessa dhalatee ture, lammii Itoophiiyaa jedhama, haaluma walfakaatuun, Masihichi Waaqayyo biraa Waan dhufeef, ilma Waaqayyo,  jedhamee, Biyyi Itoophiyaa jedhamuu haadha warraa qaba jechuu miti; Masihichi, gara biraatiin, afaan Arabaatiin, Kaalimaat Allaah jedhama, dubi isa jalaqabaa Waaqayyo bira ture jechuu dha. Quraana fi Kitaaba Qulqulluu keessattis maqaan kun Masihiif kan keennameedha.

Sagalichi jajqaba waan hundumaa ture, sagalichi Waaqayyo bira ture, sagalici ufii isaa Waaqayyo ture. Inni kun jalqabuumaa  jalqabee waaqayyo bira ture.Waanti hundunuus isuumaan ta'ee. Waan ta'ee keessaas isa malee kan ta'ee tokkoo illee  hin jiru……laka 14 sagalichis nama

foonii ta'ee, nuu gidduus bufate. Yohas 1:1-3,14. Masihich, abbaa foonii hin qabuu, egaa yoo abbaa foon hin qabaannee taanaan, isaa dhufee ree?

Ergamichi immoo , faafuurrii qulquulluun  si irra ni bu'a humni abbaas si golbooba,kanaafis muccichi si irraa dhalatu kun  qulqulluudhaa  fi ilma Waaqayyo jedhamee ni Waamama. Luk 1:35.

Kanaanis Waaqayyo human isaa muldhisuuf barbaadee, Addaamiin, abbbaa fi haadha malee malee uumeen,itti ansuudhaan immoo, Haawwaa, lafee chinaacha Adaam irraa uumeen, ammas Waaqadiinqii ta'uu isaa adduunyaadhaaf ibsudhaaf, immoo, dubarti qofaa gargaaramee uume.Kanaaf ture, Yesus maariyaam irraa dhalachuun isaa.

Yesus cubbamoota fayisuudhaaf gara biyya lafaa dhufe.(1Ximo 1:15).

Isheen ilma ni deessi atis maqaa isaa yesus jettee ni mogaaftaa, inni ofii isaatii  saba isaa cubbuu isaanitii  isaan ni fayisa jedheeni.

(Maat. 1:21)

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 62 FFAA

## MASIHICHI DHALACHU ISA

## Luq AAS 2, MAATWOS 2

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa  arjummaa isaatiin qopheessee  ilmaan namaa  dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis  gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan  jaalalaan fi nagahan akka jiraatan  isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota torbaan dabree keessa Waaqayyo attamitti, gara magaala Filisxeemi Naazreeti Maariyaam bira akka ergee agarree turre. Ergamaanis Maariyaam human Waaqayyoo tiin akka ulfooftoo labseef , mucaa ilma Waaqayyo jedhamuu akka deessuu itti himee ture.Fayisaan, yeroo

Adaami fi Heewaan cubbuu dhaan kufan, akka dhufuu himamee yeroon isaa geenyaan garaa Maariyaam keessa akka ture agarre turre.

Yeroon Goftaa yesus dhalatee, bara, mooticha Roomaa, Awugustoos qeesaari, yihudoota dabalatee, biyyatti bulchutti ture. Garuu mootummaan, Roomaa garoora Waaqayyo fuula dura dhaabbachuu hin dandeenyee, dhaabuu hin dandeenye jechuu dha. Waaqayyoos, kana irratti dubbii raajootaa raawwachuuf Warra Roomaatti gargaaramee jechuu ni dandeenya.

Raajichi, Mikiyaa, isa masihicha wagga dhibbaa torba dursee ture, Masihichi Betaliheemitti akka dhalatuu raagee ture. Miki 2:5. Maariyaamiin fi Yosee fiin garuu kan isaan jiraatan, magaalaa Naazreeti ture. Egaa dubbiin Mikiyaas karaa kamiin raawwatama ree laata? Magaalaan Beteliheem, Naazireeti irraa kilo meetira 150 wali irraa fagaatan. Waaqayyo bulchaa biyya lafaa hundumaati!

Amma yeroon da'uumsa Maariyaam kalaa'ee jira. Garuu, Mootichi Roomaa, labsi tokko labsee ture,… namnii hundii iddoo dhaloota isaa deemee akka galmaa'uu, ergasis immoo mootummaa dhaaf gibira galacha jechuu dha. Kanaaf Maariyaami fi Yoseef gara Beetaliheem dhaquun dirqama isaanitti ta'ee, sababiin isaas, ka'uumsi isaani, Magaalaa Daawiti Beeta liheem waan tureef. Nuf karaa hin fakaatuu malee, Waaqayyoof karaa ture. Karaa hin eggamneenis Waaqayyo dubbii karaa mikiyaas ,Masihich magaala Betalihemi ni dhalata inni jedhee ni raawwatame. Luq 2:1-7.

Masihichi, akka hiyyeessa, ganda qoteebulaatti dhalatu sana dhalatee, isaa gadi iyyuu jennee fudhanna. Inni uumaa uumama hundummaa qabeenyii biyya lafaa hunddii kan isaa ta'ee, akka hiyyeessaatti dhalachuun isaa namoota baayyeetiif gaafi dha. Mana mootummaatti dhalachuu qaba ture.

Garuu ilaalchi ilma namaa ilaalcha Waaqaa irraa fagoo adda dha. Ulfinnii Waaqaa ulfinna biyya lafaa irraa adda dha. Dhalachuun yesus, ulfinna guddaa dhaan marfamee ture, garuu,ilmaan Addaam adda baasani arguu hin danddeenyee male.

Mootonni biyya lafaa, masaraa keessatti, wayyaa mi'aa ta'ee, nyaata ba'eessa ta'ee nyaachuudhaan, garbootaanis, tajaajilamuu dhaan ni jiraatu. Kuni ulfinna biyya lafaati. Mootiin

Waaqaatii fi lafaa immoo ulfinna kanaan adda ta'een dhufee jechuu dha. Garuu fayisaan, Ilmaan addaam cubbuu irraa fi human seexanaa irraa baraaru, jireenya gadadoo keessa dhalatee. Egaa ennuu illee, masihichi warra soreessa ta'an baraaruuf dhufee, hiyyeeyyidhaaf immoo iddoo hin qabuu jedhee dhaaddachh hin danda'u.

Isinoo gaarummaa gooftaan keenya Yesus kristoos ayyaana isaatiin isiniif kenne hubataniirtu, inni badhaadhaa utuma jiruu deegaa ta'uu isaatiin isin badhaasuumaaf isiniif jedhee deegaa ta'e. 2qor 8:9.Sababiin gooftaan yesus goroonnoo keessa dhalateef, hoolaaa waaqayyoo ta'uu isaa nu yaadachisuufi dha.

Luk 2:8 Tiksoonni tokko immoo naana'aa sanaa bakkeetti haalkan darabee damaqanii, hoolota isaani ni eggatu turan. Ergamaan Waaqayyo tasa isaan dura dhaabbatee, ifnii surraa gooftichaas naanoo isaanitti ibse, kana irratti isaan na'anii guddaa sodaatan. Ergamichi garuu, hin sodaatiinaa! Ani misiraachoo gammachuu guddaa isinittan himaa'o, kunis saba hundumaaf kan ta'uu dha.Haardha mandara Daawiti, fayisaan isiniif dgalateera.;inni immoo kiristoos goofticha.Milikinni isaa immoo kna mucaa wayyaan itti marame siree horiin keessa nyaatu irra cisuu ni argitu isaaniin jedhe.

Lakk,13, Achuumaanis kutata ergamoota Waaqayyo keessaa baay'een ergamichs kanaa wajjiin turan. Isaan immoo , hooqubaan Waaqayyoo waaqa gubbaatti, nagaanis namoota Waaqayyo itti gammaduuf,lafa irratti, jedhanii waaqayyoof ni faarfatu turan.Ergamoonnii Waaqayyo isaan biraa deebi'ani gara Waaqaatti erga ol ba'anii tiksoonnii, koottaa Beeta liheemii ni dhaqnaa, dubbii achitti ta'e, Waaqayyo nutty beeksisee kanas ni ilaalla, waliin jedhan. Ariifachaa yoommuu dhaqan, Maariiyaamii fi Yooseefin mucichas siren hooriin keessa nyaatu irra ciisee argatan.Tiksoonni sun mucicha yommuu argatan, ergamoon Waaqayyo, waa'ee isaaf isaanitti himan hunduumaa mu'isan.Warrii dhaga'an hundinuu immoo waan tiksoonni isaanitti himanitti baay'ee dinqiffatan…. Tiksoonnis Waaqa galateeffataa, gara iddoo isaanitti deebi'an. Sababiin isaas, waan ijaan argan hundinuu akka isaaniif himameetti ture.

Waaqayyoo oduu gammachuu, jalqabee eennuuf, ibsee? Warra Biyya Roomaa bulchaniifi ? miti, warra loon tisaniif, hiyyeeyiif ture. WWaaqanii guddaan sun, waan xinnoo keessa cisee argan. Inni danda'aa dha.

1. Hiyyeeyyiidhaaf karaa ergamootaan;
2. Ogeeyyiidhaaf urjii keessa
3. Karaa urjiidhaan

Takka kan isa fakkaatu hin jirreedha, karaan inni dhalate,Raajoonnii hundii kan isaaf raajanii dha.

Heroodis isa ajjeesuudhaaf,karoorfatee ture, garuu, kroorii Waaqayyo caalaa Waan ta'eef, Yaadnii Heroodisii karaatti haafee, yoo isa agartan natty himaa jedhee Herodis isa ajjeesuudhaaf. Ergamoonni hundii waa'e isaa dubbatan raajii kan dhugaa waan ta'eef.

. Ergamichi garuu, hin sodaatiinaa! Ani misiraachoo gammachuu guddaa isinittan himaa'o, kunis saba hundumaaf kan ta'uu dha.Haardha mandara Daawiti, fayisaan isiniif dgalateera.;inni immoo kiristoos goofticha.Milikinni isaa immoo kna mucaa wayyaan itti marame siree horiin keessa nyaatu irra cisuu ni argitu isaaniin jedhe.Luq 2:10-11.

## KUTAA SADAFFA BARUMSA 63 FFAA

## MUCAA QULQULLU

## LUQ2, MAAT,3,4

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- ✓ Barnoota torbaan ilaallee keessa karaa dinqii Masihichi ittiin dhalate ilaallee turre. Karaa kanaais takkaa ennuu illee dhalatee hin beeku. Akkuma waa'e isaa dubatametti, human Waaqayyoo tiin magaala Betelihemitti dhalate. Haalkan dhalatee sanatti, Waaqayyo ergamoota calqisan lafa tiksoonni loon tiksan Betelihem isaanitti ergee ture. Ergamoota keessa inni tokko, " oduu gamachuu isa namoota hundumaaf ta'uu isiniif fidee jiraa ! Isaaniin jedhe, haardha magaala Daawit keessa fayisaan isiniif dhalateera, maqaan isaas, Kristos goftaa dha,"Luq 2:10-11.
- ✓ Hardha kan itti fufnee ilaallu, Goftaan yesus yeroo daa'ima ture fi akkasumas erga gudatee maal akka fakaatu ta'a jechudha; Wangeellii, Yoseefi fi Maariiyaam, ilmaan 4 fi dubars akka qabaatan niutti hima. Egaa goftaan yesus maatii akkanaa keessa magaala Filisxem Kaabaatti guddate jechu dha. Yoseef Yesusiin hin dhalchinee, garu akka adaa biyya sanaa, Yesus ilma yoseef ni jedhama.Yoseef, wayita ogumma hojii mukaa waan qaba tureef, yesusis, ogumma hojii mukaa qaba ture.
- ✓ Yesus immoo Waaqayyoo fi namoota irraa ayyaana argacha namummaadhaan fi ogummaatti ni gudata ture.( Luq 2:52.)
- ✓ Akkuma ijoollee gara birootti, Yesus daa'imummaa isaatti, ni nyaata, cisa, ni taphata, ni dubisa ture.
- ✓ Garuu wanti isa adda taasisu immoo**, inni cubuu dalagee hin beeku ture**.Dubiin gidiraa afaan isaa keessa ba'ee hin beeku.(1phex 2:22). Inni namoota wajjiin walitti bu'ee dhifama gaaffatee hin beeku. Waan hojjatuu hundumaa waan beekuuf, jechuudha.Qaama

yookiin dhagna akka keenyaa haaqabaatuu malee, amala qulqulluu waan qabuuf, tokko illee amala, haqa hin taanee isa keessa hin jiruu.

- ✓ Kanaaf angafa luboota isa guddicha bantiwwan Waaqaa keessa debre, yesus ilma Waaqayyo erga qabaanne beeksis amantti keenyaa ni qabanna cubuutu irraa dhabamee malee angafa lubootaaa isa karaa hundumaa akka keenya qoramee qabn ;(Ibroota 4:14-15.)
- ✓ Umriin isaa 30 yommuu ta'eetti, hojii ergamuummaa wangeelaa, isa fayisa biyya lafaa ta'ee boboo'u ga'utti , maati isaattii nagaa dhaamee gara magaala Naazreeti adeeme, lafa Yohanis cuphaan lallabuu fi cuphuutti ga'e.
- ✓ Yohanis cuuphaan odoo yesus hin dhalatiniin ji'a ja'a dursee dhalatee ture, karaa qopheessa, namoon qalbii isaani gedaratani, Masihicha akka simataniif onnee isaani nama qopheesuuf dhufeedha.
- ✓ Wangeel maat 3 irratti:

Maat 3:1 Bara sanatti Yohanis cuuphaan sabatti mul'atee lafa onaa biyya yihudaatti labsee. Mootummaan Waaqaa dhiyaateeraati yaada garaa keessani gedaradhaa! Jedhe.

Isaayaas Raajichi:

Sagaleen lafa onaa keessa ni iyya; dhaga'aa dhaggeeffadha, gooftichaaf karaa tolchaati haraa, daandii inni irra adeemus qajeelcha. Wayyaan yohanis ken hojatame, refeensa gala irraa, yommuu ta'uu sabata gogaa irraa hojjatamees, gudga isaa irra ni hidhata ture. Namoonis baa'innaan Yerusaaleem irraa fi yihudaa hundumaa irraa gara isaa ni dhufan ture, cubbuu isaani, himaatiin harka isaatiin laga yoordaanositti cuuphaman ture.

- ✓ Ergaa Yohanis yaadata? Gabaabbiinaan akkana jedha, qalbii keessan gedaradha! Jaldhinna keessan iraa deebi'ati, Masihicha samii irraa gara keessan dhufee simachuudhaaf qophaa'a. Isaan qalbii isaani, geedaratan haarka Yohanisitti laga yoordaanositti cuuphaman. Kana irraan kan ka'a Yohanis cuuphaan, Yohaanis cuuphaa jedhamee jechuudha.Bishaan keessa cuuphamuun isaan qofaa cuubbuu isaan irraa hin kaafnee, garuu, onnee isaan, araara masihichi fideef qopheessa male.
- ✓ Warra qalbi jijiiran keessaa immoo, gartuu Saduuqootaa fi Farisootaas keessa ni turan. Warri Saduuqoon sareeyyi waan turaniif, siyaasaa Roomaa irratti dhibbaa ni fiduu turan.

Haa ta'uu malee garaa isaani keessa kitaabilee raajootaaf iddoo hin qaban turan.Farisoonni immoo, gartuu amantaa waan turaniif, kadhanaaf, warra deeganiif keennuutti, akkasumas gibira kaffaltti irratti, hinaaffaa guddaa qaban ture.Sabaniin isaas, dadhabbii isaanitiin, Waaqa bira ga'uuf waan barbaadaniif ture.Kunis waaqeeffannaa isaan, gati dhabsisee jechuu dha. Akkasumas, Farisoonni adaa isaani, dubbii Waaqayyo wajjiin wal makuu turan.

Kana jechuun, Saduuqoonni fi Farisoonni, arrabaan Waaqeessuu malee, Waaqaa ulfinna hin keennan ture.

- ✓ Yohannis garuu Fariisootaa fi Saduqoota keessa namoonni baay'een cuuphamuudhaaf gara isaa dhufu isaani yommuu arge, " isin ijoollee mar'ataanana dheekmsa isinitti bu'uuf jiruu jalaa akka baqattaniif inyuu tu isin yaadachiise. Ammas yaada garaa geeddarachuun keessan ija gaarii haa godhatu! Abbaan keenya Abrhaamii dha jettanii kan galtan isinitti hin fakkaatiin, Waaqayyo dhagoota kanatti, Abrhaamiif ijoollee kaasuu akka danda'u isinitti nan hima.Ammuma iyyuu qottoon hidda muka hundumaa irra kaa'amee jira;mukii ija gaarii hin godhannee hundumaa muramee ibiddatti ni na qama, jedhe gorse. 11….. yaada garaa keessanii geedarachuu keessaniif bishaaniin isin nan cuupha., inni ana booddee dhufu garuu ana irraa ni jabaata,anis kophee milla isaatii illee baachuudhaaf nama ta'u miti., inni haafuura qulqulluudhaani fi ibidaan isin ni cuupha. Obdii isaa keesatti miidhaan kan ittiin qulleessu haafarsaa uf haarkaa ni qaba. Miidhaan isa qulleeffames gombisaa isaattii walitti qaba, haabaqii isaa garuu, ibidda hin dhaamneen ni guba, jedheen.
- ✓ Maat 3:13, Yesus yommus yohannis cuuphaan akka isa cuuphuuf galilaa dhaa yordaanositti isa bira dhufe. Yohannis garuu " siin cuuphamuun anaaf barbaachisaa,ati immoo cuuphamuuf gara koo dhuftaa? Jedhee jabeesse isa ittise. Yesus garuu deebise, Waaqayyo duratti waan qajeelaa ta'ee hundumaa akkasitti raawwachuun waan nuuf ta'uuf amma ana ittisu dhiisi! Jedheen.
- ✓ Yohannis Cuuphaan ,gooftaa yesusiin laga yoordaanoositti cuupheen. Namoonni, yesus cubbuu hin qabnee attamitti, yohannisiin nacuuphii jedhee gaaffateen? Dhiisi karaa haqa haala kanaan raawwachuu qabna, jechuudhaan, gooftaan yesus nuf fakkeenya nuf kaa'e.

- ✓ Maat 3:16, yesus chuuphamee bishaanicha keessa akkuma ba'een, kunoo bantiwwan Waaqaa hundinuu banaman, achuumaanis hafuurrii Waaqayyo akka gugeetti gadi dhufee isa irra bu'uu isaa ni arge. Kunoo sagaleen immoo inni kun ilma koo isa jaallatmaa dha, gammachuun koo isatti ni raawwatam, jedhee waaqa irraa ni dubate.
- ✓ Haallii yesusiin adda taasisuu, inni guddaan, ilmaan Adaam isaan cuubbuudhaan qabaman yommuu ta'an, inni garuu, garuu amallii yesus isa cubbuudhaan hin qabamneedha.
- ✓ Maat 4:1Ergasi Yesus seexanaan qoramuudhaaf hafuura qulqulluudhaan, lafa onaatti geeffame. Inni guyyaa afuurtamaa fi halkan afuurtama erga soomee booddee beela'e.Yommus inni isa qoru dhufee, ati dhugumaa ilma Waaqayyo yoo taate, dhagoonni kunneen biddeena akka ta'aniif abboomi! Ittiin jedhe. Yesus garuu deebise, caaffata qulqullaa'aa keessatti, namnii nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyo keessa ba'u hundumaan malee kan jedhu caafameerajedhe. Ilma Waaqayyo yoo taatee jechaa yeroo sadii gara yesus deddeebi'ee yesusiin yakkisisuudhaaf yaalee. Sexanni. Yeroo dhuma sadan, yesus dubbii Waaqayyoo dhaan seexan of irraa deebise.
- ✓ Seexanni Adaamii fi Hewaan, dallaa Jeennataa keessa akkuma isaan qoreetti, gooftaa yesusiin immoo lafa onaa keessatti qoreen.Garu seexanni yesusiin hin dandeenye inni Waaqa waan ta'eef. Seexanni gooftaan yesus, hojii isaa baleesudhaaf akka dhufee waan beekeef, isa karaa irraa baleessuuf yaalee, garuu, gara galee, karoorrii dinaa karaatti ni haafe.
- ✓ Angafa luboota isa qulqulluu waan ittiin jedhan hin qabne,xurii hin qabne, isa cubbamoota irraa gara iraa ba'ee bantiwwan waaqaa iraattis ol jedhe akkasii abaachuun nuuf ni barbaachisa. Inni akka angafootaa luboota warra kaanii guyyuuma guyyaatti, duraan dursee cubbuu ofii isaatiif kana booddees cubbuu sabaaf aarsaa dhi'eessu isa hin barbaachifne, inni ufii isaa aarsaa godhee, ala tokicha yeroo hundumaaf dhi'eesse.(Ibroota 7:27-28.)
- ✓ Kristos cubbuu balleessuudhaaf akka mu'ate ni beektu, inni garuu cubbuu hin qabu. (1yoh 3:5.).

  Isa haa labsinuu, walabuumaan isa dhugaa karaa isatiin malee hin jiruu!

**KUTAA SADAFFAA BARUMSA**

**64 FFAA**

**HOOLAA WAAQAYYO**

**YOHA 1.2**

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

- Barnoottan dabran lmaan keessa waa'ee gooftaa yesus, karaa addaatiin dhalachuu isaati ni fi ,amala addaa qabuu isaa ilaallee turre. Innu illee kraa isaatiin akka hin dhalanee fi abbaa fooni akka hin qabaannee dha.Akka kenyaa nama ture. Garu cubbuu hin abu ture.
- Haardha immoo Yohannis cuphaan waa'ee yesus isa raga ba'ee ni ilaalla.Yohannis Masishichaaf karaa yookiin haala akkaqopheessu waaqayyoon isa ergame ture.
- Yohannis isa wangeela barreessee fi Yohannis cuphaan, namoota lamaan kaayyoon isaanis garagar ture. Yohannis cuphaan kakuu moofaa keessa yommuu ta'uu yohannis inni wangeela bareesse immoo duka bu'aa yesusi ture.
- Yoh 1:19 Yeroo yihudoonni yerusaalemii lubootaa fi lewwoota yohannisitti ergani atii enyu? Jedhani isa gaaffachisanitti, yohannis, utuu hin haalin, ani kristos isa abdchifamee miti, jedhe mul'ise dhuga ba'e. Warri ergamanis debisanii, amma atii enyu? Ati Eliyaasii dha? Jedhani isa gaaffatan.Inni immoo, waawuu ani isa miti, jedhe. Isaan ati raajichaa ree? Ittiin jennaan, Waawuu jedhee deebise. Isaanis enyuu ati, egaa warra nu erganitti kan deebifnu nutty himi; ati eenyu ofiin jetta? Ittiin jedhan.Lakka,26 yohannis immoo, " Ani bishaaniinan isin cuuphaa, inni isin isa hin beekne garuu isin gidduu ni dhaabata.Inni nabooddee ni dhufa; ani immoo hidhaa kophee isaatii illee hiikuudhaaf nama ta'uu miti, jedhee isaaniif deebise.Lakka. 29 Borumtaa Yohannis yesus gara isaa dhufu argee, ilaa hoolicha Waaqayyo, isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu, ana irra caala, ana dura ture'o jedhe waa'ee isaa kanan dubbadhee isa kana.

- Yeroo ergaa Yohannis, ilalluu, yohannis, yesus gara isaa yommuu dhufu arge, Ilaa hoolaa Waaqayyoo, isa cubbuu biyya lfaa irraa fuudhu. Masihin, asiin dura, maqaalee gara garaatiin akka mogaafamee, ilaallee turre, fakeenyaaf, mooti, fayisaa, dubbii Waaqayyo,, ilma Waaqayyo, jedhame ture.Amma immoo, hoolaa Waaqayyo jedhame.
- Maal jechuudha, Hoolaa Waaqayyo jechuun? Yeroo hoolaa dha jennuu, inni hoolaa dha jechuu miti.

Garuu Adaamii fi Haawwaan, cubbuudhaan kufan, dhifama cubbuu argachuudhaaf, dhigniin dhangala'uun barbaachisaa dha, kunis gatiin cubbuu du'a waan ta'eef jechuu dha. Hoolaan inni Waaqayyoo diffama cubbuu dhaaf du'u isa kan dhugaan immoo, gooftaa yesusii dha. Hoolaan kakuu moofaa sun akka gaadisa ta'ee waa'ee aarsaa ta'uu yesus agarsisa ture. Abeel kana beeke, loon yommuu aarsaa dhiyesuu, qaayeen immoo, midhaan dhiyeessee ture.

- Masihichi, odoo hin dhalatiniin waggaa 700 dura, Isaayaas akkana jedhe;

  Isaa 53:7 isan ni cunqursan,ni dhiphisanis, inni garuu Waan tokk iyyuu hin dubbanne, Akkuma ilmoo hoolaa ishee qalamuudhaaf geeffamtuutti ni ofame.

  Bara Abeeli fi bara Masihicha jidduu bara dheeraa ture, aarsaan Abeel wareegee sun akka raajii ta'ee isa yohannis hoolaa Waaqayyo jedhe dubatee sun afaan yohannis cuphaatiin mul'ate.Kan Abeel, cubbuu Abeel qofaa yeroo kaasuu kan, masihicha immoo kan biyya lafaa hundumaa ni kaasa.Ameen.

- Guyyaa itti anuutti, yohannis, duka butoota isaa lamaan wajjiin achi ture, yesus karaa sanaan yommuu dabruu, " ilaa hoolaa Waaqayyo cubbuu biyya lafaa hundumaa kaasu" jedhe. Duka butoonni yohannis, kana dhaga'anitti, yesusiin dukaa bu'an. Yesus gara isaani deebi'ee waal barbaaddani? Isaaniin jedhe, isaanis rabbi isa jiraata? Jedhani isa gaafatan. (Rabbii jechuun barsisaa jechuudha), innis kotaati ilaalaa isaaniin jedhe, isanis deemani ilaalani, guyyaa sanas, isa wajjiin turan. Indriyaas, obooleessa phexiros, isaan yesusiin hordoofan keessa isa tokko ture. Hojiin guddaan Indriyaas dalagee obooleessa isaa barbaadee waa'ee yesus himuu isaati. "Masihicha arganne" innis isa gara yesus fideeni, yesusis gara isaa

argee, Simoon ilma yoohanisi dha.Ati katta dha. Guyyaa lammafaatti yesus gara galilaa dhaqee, Filiphosi argees, na dukaa bu’I jedheen. Filiphos immoo akka oboolaa, phexirosii fi Indriyaasi nama, Beeta saayidaa ture.Filiphoosi illee, Naatinaa’eliin argee, “ Musen kitaaba seeraa keessa Waa’ee isaa barreesse agarre jedhe… kotuuti ilaali!

- Kana irratti duka butoonni Yohannis karaa kamiin akka gooftaa yesusiin akka hordoofu jala qaban ilaallee jirra.
- Duka butoonniyohannis, isa dhisanii maaliif, yesusiin hordoofani laata?Kun kan ta’uu danda’ee, labsiin yohannis dubatee sun, isa waa’ee masihicha dhugaa ta’uu waan amananiif ture.

Ameen! Hoolaa Waaqayyo cubbuu biyya lafaairraa kaasu, raajoonnii waa’ee isaa raaganii dha! Isaan, Misihi ta’uu isaa mirkaneessan, keessaa, Indriyaas yommuu ta’uu, isa argatee sana, obooleessa isaa phexirosiif himuudhaafis ba’e ture. “Masihicha **agarre jirra**”. Ammas Filiphos, Yesus masihicha ta’uu isaa yommuu bareetti, Naatinaa’elitti barsise. “Museenii fi raajoonni barreeffama isaanitiin waa’ee isaa dubatan agree ni jira”.

Indriyaasii fi Phexiros, akkasumas, Filiphosii fi Naatinaa’el, yommuu yesusiin argan, gudisani gamadan! Maalii fi, baroota kuma afuriif raajonni masihichi akka dhufu raagaa isa turan ijaan waan arganiif, sagalee isaa waan dhaggeeffataniif, hojii isaa waan ijaan arganiif ture.

Yohannis 3:26;Namoonni tokko tokko gara yohannis dhufani,Rabbi( barsisa) namichi laga yordaanos cina siiwajiin ture, isa ati waa’ee isa raga baateef, cuuphaa jiraa, namoonnis akka malee isa dukaa bu’a jirani jedhaniin,yohannisis, yommuu deebisuu,namnii waanuma gubbaa dha keenameef fudhata,isinuu raga baatani jirtuu,’ani isaa miti, garuu ani karaa qopheessuu isa ergame dha.Gamachuun koo isa kana, ammas raawwatameera. “Inni sun guddachaa adeemuun ni ta’aaf, ani garuu ninaachaa adeemuun naaf ta’aa” jedhe.

- Yeroo duka butoonni isaa isa dhisani garuu yesus goran, yohannis gamadee ture;gamachuun koo raawwatamee jedhe faarfate.Ergamuummaan isaas galmaan waan ga’eef gammade.
- Yohannis 3:36.. nammi isa didee, jireenya bara baraa hin argatu, dhekkamsi waaqayyos isa irrani booba’a.

- Luqaas 3:18-19. Kana malees gorsa garaa garaa isaaniif keennaa wangeela jaratti lallabe.Yohannis herodisiin abbaa biyyaa iyyuu balleessaa isaa itti ul'isee ifate;…innis yohannisiin mana hidhaatti galche.
- Guddinnii yohannisi ,yesusiin labsuu isaatti, hojiin guddaa yesusiin biyya lafaatiif barsisuudha.

**Ilaa hoolaa Waaqayyo cubbuu biyya lafaa irraa kaasu! Yoh 1:29.**

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 65 FFAA

## FAYISAA GUDDAA

## MAAR 1,2

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota torbaan dabree ilaallee keessa gooftaan yesus dalagaalee baasa ta'an magaalaa galilaa keessadalageen akka maqaan isaa keekamee namootas hojii wangeelatiif akka waamuu jalaqabee agarree turre.

Hardha immoo, barnoonnii fi lallabni isaa, warra farisootaa fi Saduqootaa irraa adda akka ta'ee ni ilaalla.

Isaaf wanni guddaan, feedhii waaqayyo raawwachuu fi, kaayyo Waaqayyo isaaf keenne galmaan ga'uu ture.

Wangeela Maarqos boqqonnaa tokko irratti akkana jedha;Maar 1:21 guyya sanbataati Yesusii fi duka butoonnii isa gara magaala koopiraaniyeemii deeman, sanbannis yommuu galuu, mana sagadaa seenani innis barsisuu jalaqabe.**Barsisi isaa warra kaani irraa adda waan ta'eef namoonni achi jiran barsisa isaatti, maalalfatan**.Achiinis waita dabranis, namichi afura dinaatiin qabamee ni iyye. Yaa yesus nama Naazreeti, nu irraa maal qabdaa? Nu balleessuuf dhufte? Ati ilma isa kan qulqulluu akka taatee ani nana beeka! Yesussis, cal jedhii, keessaa ba'I; Haafuurrii hamaanis, isa dhiphisee hollachiseeni iyyee keessaa ba'e. Namoonnii achi jiran dinqeeffatani, kuni maal inni laata jedhani wali gaaffatan. Barsisa haaraa, angoodhaan barsifamu!Hafura hamaa ni ajajaa innis ni ajajamaf! Oduun waa'ee isaas naannoo galilaatti lafa hundumaa waliin ga'e.

- ✓ Barsisa yesus maaltu adda taasise? Warra seeraa irraa barsisa  adda maqaa barsisuuf, akksumas, angoodhaan waan barsisuuf ture.
- ✓ Barsisoonni seeraaa kitaabilee seeraa, Faarfannaa fi, barreefamaalee, raajootaa hikuudhaaf yaalan, garruujal'isani akka isaaniif ta'uu yaadaa fi feedhi isaan akka deegaruu godhani ni hiku turan.Isaan, adaa fi seera abooti isaani beekan malee, yaadaafi dubbii Waaqayyo hin beekan ture.
- ✓ Gooftaan yesus immoo koolleejii isaanii odoo hin baratiin akka gaarii barsisuu isaatti, kana malees, angoodhaan barsisuu isaatti maalalfatan.
- ✓ Barsisi isaa caalaatti duwwaa ta'uu isaanii waan isaaniif agarsiseef, kuni maali laata?jedhani wal gaggaaffatan, barnoota kanas essaa argate , angoo akkanaanis akkamitti barsisuu danda'a? hafuurota  hamaa ni ajaja isaanis ni aboomamaniif; waan inni dalaguu nama hojjatuu takkaa agarre hin beeknu!

Eyyee dhugaadha, Adaam cubbuu dhaan erga kufee jala qabee hamma yesus dhufee seenaa jijjireetti human akka naa arganii hin beekan. Amma gaa jecha tokkoon, seexaanni iyyee ulfinna waita keennu, sodaatee baqatuus arguu jalqaban. Ameen! Seexanaa fi hojjattoonni isaa, yesus dubbii Waaqayyo akka ta'e isanis biyya lafaa akka uumee ni Beeku, qulqulluu akka ta'es ni beeku.Abidda bara baraatti akka isaan darbbuus ni beeku.

- ✓ Maar 1:29,Yesusi fi baratoonni isaa mana sagadaa dhisani ba'an boodde,yaaqobi fi Yohannis wajjiin gara mana Phexiroosii fi Indriyaasi dhaqani,yommuus amaatiin pheexiros, dhukuba dhagna gubaadhaan qabmtee ni ciftii turte.Isaanis waa'ee ishee yesusitti ni himan.Kanaaf isaanis gara ishee ni adeeman,Yesusis haarka ishee ol qabee kaaseen.Dhibeen dhagna gubaan sunis ishee dhisee, isheenis isaaniin keesummeesite.Gara galgalaatti immo namoonni dhibamootaa fi namoota seexanaan qabaman hunda gara isaatti ni fidan.Jiraattoonni magaalattis gara balabalichaatti walitti ni qabaman, yesusis namoota dhibee garaa garaa irraa isaan fayise.Namoota seexanaan qabamanis fayi se garuu waa'ee isaa akka dubbataniif isaaniif hin eyyammuu ture, sababiin isaas isaan inni enyuu akka ta'ee waan beekaniif ture. Akkumas isiin dura, shaakaluutti, kadhanaadhaaf adeemee ture, isaanis isa barbaacha ba'an, yommuu isa arganitti, hundiinuu si barbaadan jedhaniniin,Yesusis, iddoo gara biraa ni deemna, anis namoota gara biraatiif  nan lallaba isaaniin jedhe. Anis kanaafan dhufe.Innis galijaa

hunda keessa naana'ee, mana sagadaa isani keeses barsise, namootas seexan irraa hike. Lakka.40, Namni dhagni isaa lamxaa'ee, gara isaa dhufee jilbaan gadii bu'ee, " yoo jaallattee, nafayisuu danddeetta yedheen" yesusis jaalalaan gara isaa dhi'aate, haarka namicha tuqee, nan jaajjadha fayyii jedheen, tasuma lamxiin irraa sokkee, namichis fayyaa ta'e.

- ✓ Yesusis lammii Adaami dhibee hundumaa irraa fayisee,maalii fi isaan akka hoolaa karaa irraa goreetti jonjo'an isaan argeetti isaaniif garaa o'e.Sababiin ,diinqii garaa garraa dalageef, Masihichi ilmaan Adaam cubbuu dhaaf uf gurguran dhufu isaa mirkaneessuuf ture.
- ✓ Isaa 35:5,6 Yommus iji warra jaamoota ni bana,

Gurrii warra dugaas ni saaqama,yommus namni naafti akka borofaatti ni utaalu, gamadani ,ni ililchu, lafa duwwaa keessa bishaanoonnii ni yaa'u.Raajoonnii heeddu baas garaa garaa hojjachuu ni danda'u, isaan garuu, human ufii isaani hinqaban, yesus,immoo angoo dhaan barsisa.Inninuu human Waaqayyo ti!

Maar 2:1 yeroo muraas booddee, yesus yeroo lammafaa magaalaa kqophraaniyeem seenetti, mana akka seenes namoonni dhaga'an.Hamma iddoon dhabamuutti namnii yaa'e,manaa alattis hamma iddoon hin argamneetti jechuudha, innis dubbii isaa isaanitti barsise. Namoonni arfanis, nama laamsh'ee tokko sireedhaan baattatani dhufan. Yesus bira ga'uu waan hin dangeenyeef bantii manaa kalatti yesus turen diiganii erga saaqanii, namicha dhagnii isaa gara tokkoon du'ee fula yesus dura kaa'an. Amantaa isaani argee yesus, namichaan ilma koo cubbuun kee hunduumaa siif dhifameera jedheen. Barsisoonni seeraa tokko tokko, namichi kun maaliif akkana dubataa? jedhani garaa isaanitti yaadan. Kun Waaqayyoon arrabsoo dha jedhan.Waaqayyoon malee cubbuu kan nama irraa fageessuu enyuu jedhan? Garaa isaanitti akkana akka yaadan argee maaliif akkana yaaddan? Isa kamtuu salphaa dha? Cubbuun kee siif dhiifameera isa jedhuu dha moo, siiree kee baattadhuu deemi isa jedhuu dha? Ilmii namaa lafa irratti dhiifama cubbuu keenuu dhaaf angoo akka qabu beekaniif… sittan himaa siree kee battadhuu deemi siin jedha. Innis siree isaa baattatee odooma isaa isa arganii deeme.Kunis baayyee isaan maalalchise,Waaqayyoonis galateeffataan, waan akkanaas takkaa agarree hin beeknu jedhan.

Kutaa kana keessa, humnii gooftaa yesus, dhibee foonii irra qofaa akka hindaanggeeffamnee dhiifama cubbuus akka argamsisuu ni ilaalla; “mucaa koo cubbuun kee siif dhiifameera.”

Barsisoonni seera, lafa ga’an hundummaatti, yesus wanta dubatu irratti, kuni Waaqa arabsoo dha , waaqa malee cubbuu namaaf kan dhisuu hin jiruu jedhu.Dhugaa dha, Waaqa malee, cubbuu kan nama irraa kaasuu hin jiruu, haa ta’uu malee, gooftaan yesus immoo Waaqaa fi nama jidduu gala akka ta’ee isaan hin hubannee jechuu dha.Inni aarsaa cubbuu waan ta’eef dhiifama cubbuu keennuu dhaaf danda’aa dha! Ameen!

Warrii yesus duukaa bu’an namoota baa’ee  waan turaniif yesuus mana leewii maadditti yommuu taa’e qaraxxoonnii fi warrii akka seeraatti hin jiraanne, baay’anii yesusii fi baratoota isaa wajjiin maaddiitti ni taa’an. Farisoota keessa barisisoota seeraa kan turan, yesus warra akka seeraatti hin jiraannee wajjiin nyata? Jedhanii barattoota isaa gaaffatan. Yesus kana yommuu dhaga’e, Namoonni fayyaan ogeessa qorichaa hin barbaadan, dhukubsatootatu barbaada malee; ani warra jireenya qajeeltoo jiraatan waamuu hin dhufne, warra cubbamoota waamuufan dhufe malee,isaaniin jedhe.Maar 2:15-17.

Dubbii isaa kanaan, barisoonni seera dhukubsatoota akka ta’ani, fayisaanis isaaniif akka barbaachisuu isaanitti hime.

Dhimmmii inni dhalateef,cubbamoota wajiin jiraachuu fi akkasumas, cubbuu fi human cubbuu irraa isaan olchuuf dhalate.

Namnii waaqa irraa aaraara argachuu danda’uu, nama ufii isaa akka nama haqa fudhatu oto hin taanee, isa dadhabbii isaa hubatee Waaqa irraa gargaarsa gafatuu dha.

ani warra jireenya qajeeltoo jiraatan waamuu hin dhufne, warra cubbamoota waamuufan dhufe malee,isaaniin jedhe.Maar 2:15-17. Ameen!

**KUTAA SADAFFAA BARUMSA 66 FFAA**

**Barsisaa Guddaa**

**Maat 5-7**

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota ilaallee keessa, Goftaan Yesus Magaalaalee Biyya filsxeemi garaa garaa akka dowatee dhibamoota akka fayisee, seexana irraas isaaniin akka hikee agarree turre. Namoonis Maalalfatani, Barnoota haaraa angoodhaan barsisa, jinniin isaaf ni ajajama, inni enyuu?

Jedhani walgaafatan ture. (Maar 1:27).

Haardha immoo baratoota isaa wajiin tutaa guddaadhaaan marfamee tulluu jala ta'ani yeroo turan dubbii gammachisaa innii dubbatee sana wangeela keessaa ni ilaalla. Otoo yeroo qabaan kutaa hunduma isaa dubisnee ba'eessa ture, yoo dubifachuu barbaaddan wangeela Maatiiwoos 5-7 keessaa dubisuu ni danddeettu.

Maat 5:1 Yesus namoota baa'ee argee gaaratti ol ba'e, erga inni taa'ees baratoonni isaa gara isaatti walitti qabaman. Inni barsisummaa kanaa afaan isaa saaqate.

Lakka 3, karaa haafuraatti hiyyesota warri ta'an haa gamadan, Mootummaan Waaqayyo kan isaaniti.

Lakka 4,Warri garaan isaani gadde haa gamadan, isaan jajabinna ni argatu.

Lakka 5,Warri garaamiin haa gamadan, isaan biyya isa abdachifame, ni argatu.

Lakka 6, Warri Waan qajeelaa akka midhaan beela'anii, akka bishaanii dhaeebotan, haa gamadan, isaan geesifachuuf jiru.

Lakka 7, Warri namaaf o'an haa gamadan, isaan o'a ni argatu.

Lakka 8,Warri yaadni garaa isani qullaa'oo haa gamadan, isaan Waaqayyoon ni argatu.

Lakka 9, Warri nagaa buusan haa gamadan, isaan ijoollee Waaqayyo ni jedhamu.

Lakka 10, warri qajeelummaadhaaf jedhanii ari'ataman haa gamadan, mootummaan Waaqaa kan isaaniiti.

Lakka 11, Anaaf jedhani namoonnii yommuu isin arrabsan, yommuus isin ari'atan, waan hundumaa isin irra  sobaan dubatanis gamadaa.12 Isaan raajota warra isin duraa akkasuma aria'chaa turan.Egaa yeroo hundumaa gamadaa ililchaa Waaqa irratti gatiin keessan guddaa ni ta'a isaaniin jedhe.

Yesus seeraa fi barsiisa raajoota diiguudhaaf waanan dhufee hin see'inaa, ani isaan raawwachuudhaaf dhufe malee, diigudhaaf hin dhufne.Ani dhugumaan isinitti hima, hamma Waaqnii fi lafti badanitti seericha keessaa qubeen tokko yookis gara tokko qubee  otoo fixaan hin ba'in hin badu. Kanaafis namni aboommota hundumaa irraa xinaatan tokkoo diigee, diigamuu isaas barsisu, mootummaa Waaqa keessatti isa hundumaa irraa xinaatu ni jedhama;**20 ani dhuguman isinittan hima, qajeelummaan keessan qajeesummaa warra barsiisoota seeraatii fi  Farisoota irra guddaa yoo caaluu dhaadaate mootumaa Waaqaatti gonkumaa hin galtan isaaniin jedhe.**

Lakka 21, yesus itti fufee, hin ajjeesin, namni yoo nama ajjeesse abboota firdii duratti itti ni faradama jedhamee warra duriitti  dhageesani jirtu. Anii garuu isinittan hima,enyuu illee obboleessa isaatti yoo dheekame aboota firdii duratti itti ni faradama; obboleessa isaatiin doofaa' yoo jedhe ibidda qililleetti itti ni faradama.Keennaa aarsaa  dhi'eessuudhaaf iddoo aarsaatti  yoo fidde , iddoo dhuma sanattis  akka obooleessa kee  waa yakitee  yaada isaa mite sitti ni yaadatama ta'a. Keennaa aarsaa kee  achuumaa iddoo aarsaa  duratti diisiiti  oboleessa keetti dura araarami; kana booddee deebii'ii keennaa aarsaa kee dh'eessi.

Lakk 38 Ani garuu isinittan hima, namnii ija hawwaatiin dubartii ilaale, garaa isaatti isheetti ejjeera.Ijii kee mirgaa cubbuu sitti yoo hjjachise,isa of keessaa baasi gatii. Lakka. 47 Oboolota keessan duwwaa hi'ifatanii nagaa yoo gaaffatan, warra kaan caalaa maal faa gootu?... warra hin amanee jechuudha! Warri saba Waaqayyoo hin ta'in iyyuu akkanuma ni godhu miti ree**? Egaa abbaan keessan inni Waaqa irraa mudaa malee akkuma ta'e, isinis warra mudaa hin qbne ta'a.**

**Maat 6:1** Yesus namootatti muldha'chuudhaaf jettanii tola keessan nama duratti akka hin goone of eggadha! Kana yoo gootan garuu, abbaa keessan isa Waaqa irraa biraa gatii hin argattan. Akka warra argisiiftuun namoota biratti galateeffamuudhaaf jedhanii manneen sagadaa fi karaa

keessatti godhan ati yeroodhuma arjoomtu hundumaatti kana of duratti hin odeesifatiin! Dhugumaan isinittan hima isaan kun gatii isaanii argataniru.Ati garuu jeroo arjoomtu, waan harki kee mirgaa godhu, haarki kee bitaa iyyuu hin argin! Arjummaan kee dhoksaan kaa ta'u malee.Abbaan kee inni dhoksatti argu immoo gatii kee siif keenna jedhe.5 yesus itti fufee, yeroo dhuma kadhattanis akka warra uf agarsisanii hin ta'inaa! Isaan namootatti muldhachuudhaaf manneen sagadaa keessaa fi walga'ii karaa gurguddaa irra dhaabbatanii kadhachuu ni jaallatu.;ani dhugumaan isinittan hima, isaan gatii isaanii fudhataniiru.Atii garuu yeroodhuma kadhatu, mana keetti ol gali, balbala kee cufadhuu abbaa kee isa iddoo dhoksaatti argus gatii kee siif keenna.Lakka. 7 yeroo kadhatanis, akka warra saba Waaqayyo hin ta'inii dubbii waa'ee hin baafne, keessa hin deeddeebi'inaa! Baa'inna dubbii isaanitiif waan isaaniif dhaga'amuu isaanitti fakkaata.Akka isaanii hin ta'inaa! Abbaan keessan utuudhuma isin hin himatiin iyyuu waan isiniif barbaachisuu ni beeka.9 Egaa yommuu kadhattan, **yaa isa Waaqa irra jirtu abbaa keenyaa**!

Maqaan kee qulqulluu ta'ee haa eggamu;

Mootummaan kee haa dhufu;

Jaalalli kee waaqa irratti akka ta'u,

Akkasumas immoo lafa irratti haata'u!

Soora haardha bor nu barbaachisu

Haardha nuuf keenni!

Akkuma nu'I warra nu yakkaniif dhiifne,

Yakka keenya nuuf dhiisi!

Qoramattis nu hin galchin.

Hamaa nu olchi malee;

Mootummaan humnii ulfinnis

Bara baraan kan keeti.

Ameen! Jedha!

Akkasumas, yommuu **somanis**, akka warra of agarsifatan, godhanitti, nama qajeelaa, fula dura namaatti ijaaf jedhanii waan tokkoo illee akka hin raawwanneef, isaan akeekkachise.Lakka 16. Kana malees, qabeenya biyya lafaa kanaaf akka hin dadhabnee isaan gorse, Lakk 19. Badhaadhummaa ofii keessani iddoo bilii fi daana'oon nyaatuutti, hattuunis cabsee hatutti walitti hin qabina. Namoota biro wajjiin nyaadhaa haa nyaannu, jechuu isaati. Lakka 12.Waanuuma namoonni akka isiniif godhan jaallatan, isinis akkasumas, isaaniif godha; seerii fi raajoonnni isuma kana ni barsisuu.

Mat 7 :13 Yesus karaa isa dhiiphaa dhaan ol gala! Karaan gara badisaatti geessu boochoo dha! Karri isaa bal'aa dha! Namoonni ittiin ol galan immoo baa'ee dha! Karaan gara jieenyaatti geessuu rakkoo dha, karri isaas dhiphoo dha, namoonni isa argatan muraasa! Jedhe. Lakk 28 **yesus dubbii isaa kana dubbatee yommuu raawwate, namoonnii naanna'anii barsiisa isaa ni diinqiiffatan. Inni akka barsisoota seera warra kan isaanii utuu hin ta'in akka nama aboo qabutti isaan ni barsisa ture.**

Duraan dursitanii yaada keessan, mootummaa Waaqayyoo fi qajeelumaa isaa barbaaduutti hidha! Kana malees waan barbaachisuu hundinuu immooisiniif ni keennama! Maat 6:33.

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 67 FFAA

### Lammaffaa dhalachuu qabda!

### Yoh 3

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Qo'annaa wangeelaa itti deemnee keessa, Dhalachuuni, hojiin isaa fi amalli yesus adda akka ta'ee agarree turre.Akkasumas, **barsisi isaas adda** akka ta'er Wangeela maatiwos 7:28 irratti agarreera. Takka kan akka isaa dubbatuu akka hin turrees ilaallee turre. Aboodhaanis waan barsisaa tures namoonni isa dhagahan hunddii isa maalalfataa haala ajaa'ibaatiin isa ilaala ture. Inni akka warra farisootaa fi akka warra seeraatti ni barsisa miti. Inni keenaa dha, isaan garuu, wanta fudhatan barsisan, wanta dhagahan barsisan. **Jechii isaa tokko, jechoota lakkoofsa hin qabnee, barsisa warra seeraa fi Farisoota irraa ni caala.**

Faallaa barsisa isaani barsisuu qofaa otoo hin taanee, of tulummaa isaani fula dura namoota isaaniin jajan dura, isaanitti agarsisa ture.

Barsisa tullu irratti goftaan barsisee, jechoota muraasaan ibsamuu ni dandau." **Akka warra of tulanitti hin ta'ina!"** Namoonni of tulan, Waaqa gadisisaa, namootaaf immoo gufu dha.Kanaaf ture goftaan yesus, of tultootanan isaaniin waan jedheef. Of tulonni, fakeesitoota dhugaa dha, akka sodu awaalaa, karaa alaatiin ni bareedu, keessi isaa garuu akkas miti.Maat 23:7.

Wanti waaqayyo uume tokko illee isa duraa dhakachuu hin danda'u; wanti hundinuu saaqamaa ija isaa durattis mul'ataa dha,nus waan goone sababii isaa wajiin isatti himuun nu irra jira.Ib 4:13. Kanaaf ture, abootiin seeraa fi Fariisoonni, garaa isaan keessa wantta yaadan beekuuf ture. Isaan kun, waa'ee kadhanna soma fi sagadaa irra ciman malee, jaala Waaqa hin qaban.

Yommuu kadhannaaf dhaabbattan, akka warra isaan of tulan hin ta'ina.Maat 6:16. Isaan yeroo kadhatan hundumaa namootatti muldhachuu dhaaf jedhani kadhatan malee yaada Waaqa bira ga'uuf miti.

Akka warra isaan of tulani hin ta'in,  ani dhugumaan isinitti himaa, qajeelummaan keessan, qajeelummaa warra farisootaa fi saduqootaa irra yoo hin caallee taanaaf gonkumaa mootummaa Waaqa hin seentan.(Maat 6:5;5:20). Yeroo dhuma arjoomtan, arjoomuu keessan hin labsina, Waaqnii dhoksaan silaaluu, ifatti siif keenna.Ameen.yeroo soman, nama soma irra jiruu, nama hafuraa fakaachuudhaaf fula isaani gurratan, isin garuu akkas hin godhiina. Isaan fakkeessan sun gati isaani, lafadhuma kana keessa argatani jiru.Maat 6:16. Waa'ee karaa fayinaa Yesus baratoota isaatiif

Karaa dhiphootti galuudhaaf  dadhaba.maat 7:13.barsisuu, "garaa fi onnee qulqulluu qabaadha" jedhe.Egaa ilmaan Addaam isaan cubbuu irraa dhalatan, akkamiin, qajeeloota ta'uu danda'an? Wanta dalagu qaban jiraa laata? Miti! Karaa dadhabbii namaatiin carraan fayinnaa hin jiru. Dameen mukaa bishaan keessa yeroo dheera waan tureef, gara qurxummitti hin geedaramu.Kanaaf nuti cubamoonni, hojii keenaan qajeelummaa argachuu hin dandeenyu.**Kanaaf, wantti, namaaf ulfaate, Waaqayyoof salphaa dha.**

Goftaan yesus haasaa Niqodimos wajjiin haasa'ee irratti, namnii akkamiin, akka garaa qulqulluu argatu ni ilaalla.

Yoh 3:1Farisoota keessa namni Niqoodimoos jedhamu tokko ture, inni dura buutuu  yihudootaa ture. Inni kun haalkan gara Yesus dhufee, rabbi ati akka barsisaa taatee Waaqayyo biraa dhufte nuyi beekna, hoomtinuu Waaqayyo isaa wajjiin jiraate malee milikita ati agarsiftu kana  danda'e hin agarsiisu ittiin jedhe. Yommu yesus deebisuuf, akkana jedhe, "**namnii lammaffaa yoo hin dhalanne mootummaa Waaqaa dhaaluu hin danda'u."** Niqoodimoos immoo samuun isaa waan jonja'eef, namnii erga lafa ga'ee dadhabe booddee, akkamiin, lammaffaa dhalachuu danda'a? amma dhugumaan lamuu garaa hadha isaatti deebi'ee seenaa laata? Dhugaa dhugaa sinan jedha, namni  bishaaniif Haafura irraa yoo hin dhalannee mootummaa Waqa dhaalu hin dandda'u.

Niqodimoos kun akkamiin ta'u danda'a? jedhe Niqoodimoos ammalle gaaffate, Ati barsisaa Israa'el taate kana hubachuu hindandeenye? Nuti waan beeknu ni dubbannaa waan agarrees dhugaa ni baabaana! Wanta biyya lafaa yommu sitti himuu hubachuu hin dandeenya isa Waaqaa yoon sitti himee akkamitti hubachuu dandeetta! Ilma namaa Waaqa irraa dhufee malee, gara Waaqa kan ola ba'ee takka hin jiru.Yoh 3:13.

Kan isatti amanee hunddii mootummaa Waaqaa argatuuf, Museen lafa gamoojjii keessa faniseetti, ilmi namaa immoo fannoo irratti fanifamuu qaba. Waaqayyo akkasitti tokicha ilma isaa hamma keenufitti biyya lafaa jaallatte, kun immoo kan isatti amanu hundinuu jireenya bara baraa haaqabaatuuf malee, haa baduuf miti.Ameen! Yoh 3:16.

Yeroo yesus, Gorsa Niqoodimoosiin gorsuu, mootummaa Waaqaa dhaaludhaaf lammaffaa dhalachuu qabdaa jedheen. Yoh 3:10.

Lammaffaa dhalachuu jechuun, haafura qulqulluudhaan haaraa ta'anii hojjatamuudha.Tito 3:5. Kana jechuun, adaa waaqeeffannaa biyya lafaa irraa gara gara ta'u dha. Kan jijiiramuu isaa hin jijjiiramne uffata.1qor 15:50.

Isa cubbuu tokko illee hin qabnee nuyi karaa isaa qajeelina Waaqayyoo akka arganuutti, nuuf jedhe cubbamaa isa godhe.2qor5:21.

Olii dalachuun isiniif in ta'a siin jechuu kootiin hin diinqeeffatiin; Maat 3:7, Warri yaadni garaa isaanii qullaa'oo haa gammadan,isaan Waaqayyoon ni argu.Maat 5:8.Ameen!Ebifama milkaa'a!

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 68 FFAA

## FAYISAA BIYYA ADDUNYAA!

## YOH 4, LUQ 4

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Wangeelaa keessa, goftaan yesus, karaan ittiin dhalatee, biyya lafaa keessa hojate, amalaa issa fi barsisi isaa adda akka ta'ee ilaallee turre. Kana malees Goftaan yesus, barsisi isaa adda akka ture ilaallee turre.

Hardha immoo kan itti fufnee ilaalluu,dubarti goss Yihudootaan ala kan taatee, waa'ee dubarti Samaariiyaa ta'a jechuu dha.Niqoodimmos nama seera amantaa geeggeessuu yoomuu ta'uu dubartiin sun immoo, cubbamtuu turte, abbaa warraa shaman qabdii turte. Akka ilaalcha namaatti, Niqoodimoos fagoo, dubarti sagaagaltuu sana irraa in caalaa, garuu Waaqayyo akkanamaatti hin ilaaluus, hin madaalus. Ilmaan Addaami, dhaloota waaqeeffanna jaallatani dha garuu cubbuu isaani irraa lammaffaa dhalachuu qaban.Akka Niqoodimoos jechuudha.

Dacheen Samaariiyaa kan argamuu, bulchiinsa Yihudootaa keessa, magaalaa Yihuudaatii fi Galiilaa gidduu ture. Warri Samaariiyaa gossa gara biraati waan dhufaniif, yihudoonn, warra Samaariiyaa baayyee cimsanii tuffatan ture. Waaqayyoo birraa dhiphuumaan waan hin jirreef, gooftaan yesus ishee wajjiin haata'uudhaaf yeroo keenneef. Inni garaa qulqulluu fi onnee qulqulluu hin gaaffatu garuu, garaa qulqulluu fi onnee qulqulluu namaaf keenna.Ameen!

- ✓ Yoh 4:3-4 Kana booddee inni kutaa biyya Yihuudhaa dhisee Galilaa dhaqee, yeroo achi dhaqu immoo Samaariyaa keessa darbuun isa irra ture. Samaariyaa keessati magaalaa Sikaar jedhamtuu lafa Yaaqoob ilama isaa Yoseefiif keenne lafa kalaa'uu gahe. Goftaan Yesusis, bolla bishaanichaa bira yommuu ga'eetti waan dadhabeef taa'e.Dubartittiin Samaariyaa sunis, bishaan waraabuudhaaf dhufteetti, bishaan naaf keennuu danddeettaa? jedhe ishee gaaffate. Yeroo sana baratoonnii isaa immoo nyaata barbaacha gara magaala dhaqani turan. Isheenis seera biyyaa waan beektuuf, ati nama, yihuudhaa dha ani immoo

nama, Samaariyaa yommuu ta'u maaliif bishaan naa keenni jettee nagaafataa? Jetteeni. Yesus yommuu gaaffi isheedhaaf deebisuu, arjummaa Waaqayyoo otoo beektee, inni sigaafatees enyu akka ta'ee beekte, ati isa gaafatta malee inni sigaaffata miti; **innis bishaan bara baraa siif keenna** ture. Ani meeshaa ittiin waraabatan hin qabduu bolichis fagoo dha akkamitti bishaan kana eessaa argata? Ati lafa bishaanicha isa qotee keesaas, loon isaas keessaa dhugan abbaa keenya Yooqoobi caaltaa? jeteeni. Ennuu illee bishaan kana irraa dhugee lammaffaa ni dheeboota, bishaan ani isaaf keenuuf jiruu iraa dhugu garru lamuu hin dheebootu. Bishaan ani keenuuf jiruu isa keessa bara baraan ni burqa. Gooftaa koo ani bara naraan akka hin dheeboonee fi asis abishaan waraabbii dhaaf akka hin deeddeebineef bishaan kana naaf keenni jeteeni. Gooftaanis, deemiti, abbaa warraa kee waamiti koottuu jedheen. Isheenis abbaa warraa hin qabuu, jeteeni, innis abbaa warraa hin qabuu jechuun kee dhugaa dha. Abbaa waraalee shan ni qabdaa inni amma waliin jiraatus abba warraa keeti miti. Dubartinis, wanni ati jette dhugaa dha, atis Raajii akka taatees argeera Jetteen.

- ✓ Abootiin keenya tulluu kana irra waaqeessan, isin yihudoonni garuu waaqeeffanaaf magaalaa Yerusaalem ta'u qabaa jettan jettee gaafateen. Yesus, dubartinnan, dhaga'in yeroon tulluu fi Yesusaalemitti hin Waaqeesinee ni dhufa. Isin warri Samaariyaa wantta isin hin beekne ni Waaqeesituu, Nuti Yihudoonni immoo wanta beeknuu waaqeesina. Garuu, isaan abbaa dhugaanii fi haafuraan waaqeessan ni dhufaa dhufeeraas. **Waaqayyo haafuura, kan isa Waaqeessanis haafuuraanii fi dhugaadhaan ta'u qaba.**Yoh 4:24. Isheenis, Masihichi yommuu dhufu kuni akka ta'uu nan beeka, innis yommuu dhufu waan hundumaa nuf ibsa.
- ✓ Barattoonni isaa gabaa dha yeroo beebi'an dubarti wajjiin haasa'u isaatt maalalfani, garuu ennuu illee isa gaafachuudhaaf hin dandenyee ture. Isheenis okootee bishaani achumatti dhistee, gara magaalatti deebi'uudhaan, namootatti, wanta dalagee hundummaa nama natti him kotaati ilaa jeette waamte. Dhuga baati dubarti irraa kan ka'ee namooni heedduu isatti amana, isaan wajjiinis akka ture, bayyee waan isa waganiif, halkan lama isaan wajjin ture. Barsisa isaa iraas kan ka'ee lakoofsi amantoota dabalatee, isanis, dubartitti dhaaf, waan ati nutty himteef otoo hin taanee, nuti isaa irraa waan dhageenee fi fayisaa biyya lafaa ta'u isaa waan beekneef dhaa jedhaniin.

- ✓ Turti keessaa isa irraa dhageetti inni ennuu akka ta'ee bartee, raajis akka ta'ee amantte.Inni masihi, raajoonni gara biros waa'ee isaa raajani dha. Ameen!
- ✓ Waa'ee gooftaa dubbachuu qabna malee caldhisuu hin qabnu.
  Namoonni sonaan baay'eenis dubbii isaatiif jedhanii itti amanan.

Yoh 4:14. Bishaan ani isa keenuufi jiruuf irraa inni dhugu garuu, bara baraan hin dheebotu, isa keessatti burqaa bishaani, isa jireenya bara baraatiif, burquu nita'o. Lakk 15, innis iddoo sagadaa isaani keessa barisaa ture, baayyeen isaanis isa galateefatan ture, Isaa yaas keessas issaniif dubisee, kunoo haardha kuni gurraa keessan irratti raawwatamee isaaniin jedhe. Haafurrii Waaqayyo ana irra jirra….. Luq 4:18.

Jiraattoonni magaalaa Samaariyaa isa ajeesuudhaaf kani turan, maaliif laata? Sababiin isaas inni ani  Masihi dha waan jedheef ture. Dhugaan akka barbare nama gubdii! Ari irraa kan ka'ee gaara irraa gadi isa darbuuf turan, garuu yerooon isaa waan hin geenyeef kana godhuu hin dandenye.

Gartuun lamaan Yihuudoonni fi Warri  Samaariyaa, yesusiin gara isaani godhuu dhaaf, masihi keenya dha jechuudhaaf morkaa turan. Barnoota kana walitti cunfudhaaf:

**1**. Waa'ee dubartii Samaariyaa  fi warra Samaariyaa  yesusiin akka Masih fudhachuu isaani agarra. Akka fayisaa  gutummaa biyya lafaa fudhachu isaani ilaalla. Isaan garuu gosa israa'eli hin turre.

**2.** Lammaffaa irratti immoo warra adaa amantaa cimsatan jiraatoota  Magaala Naazireeti ilaalle turre. Sarri seera amantaa cimsatuu kuni immoo dubbii goftaan yesus barsisu ni tufatan. Isatti amanuudhaaf didani jechuudha. Yesus isa magaala isaani keessa gudatee jecjuudha.

Isaan yihudoota ta'ani yesus yommuu jibban, isaan Yihudoota intaane warri Samaariyaa garu gooftaa fudhatan.

Nuf haardha waa'ee yesus maal yaadnaa laata?

Ni illee isaa fi dubbii isaa tufataa jirraa laata?

Inni biyya lafaa keessa ture biyyii lafaa garuu isa hin beekne, garuu war isatti amananiif, ilmaan Waaqayyo akka ta'aniif aboo mucummaa isaaniif keenne. Yoh 1:1-13.

**Jarri garuu dubartiittiidhaan, Egaa si'ichi waan ati dubbateef amanna miti; nuyi ufuma keenyaa dhageenyeera, inni kun dhuguma fayisaa biyya lafaa akka at'es ni beekna jedhan. Yoh 4:32**.

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 69 FFAA

## ANGOO GOOFTAA YESUS

## MAAT 12, YOH 5

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Akkumaa wangeela ilaallaa jirruutti, gooftaan Yesus wangeela, odduu gammachuu keessa, akkamiin, sanyii Addaami, seexana, cubbuu irraa fi badii baa baraa irra akka walaboomsee agarree turre. Haata'uu malee barsisoonni seera baasa inni hojatee akkasumas, ogummaa isaa bira dhaabachuu, isa falmuu hindandeenyee ture.

- Haardha immoo guyyaa sabataa irratti, warra seeraa wajjiin falmi godhee ni ilaalla. Guyyaan sanbataa guyyaa torbaffaa yommuu ta'uu,Israa'eloonni guyyaa sadii erga hojjatan boddee akka itti boqatan keennee dha. Farisoonni isaan barsisoota seera turan, seera Waaqayyo daddarbeeraa jedhani isa himatan; garuu inni guyya sanbataatti hojii haqa hojatee malee homaa hin dalagne.
- Maat 12:1 yeroo gooftaan yesus, qoonna keessa deemutti, baratoonni asheeta muranii waan nyaataniif, Farisoonni akka seera waaqaa cabsanitti duka butoota yesusi fi Yesusi himatan.Guyyaa sanbataatti asheeta kutanii haarkaan sukkumani nyaachuu isaani, akka seera daddarbaniiti isaan himatan. Gooftaanis, kitaaba moofaa irraa dubisuudhaan, Daawiti fi barattoonn isaa yommuu beela'an, nyaata, warra haafuraa ta'an qofaaf eeyyamamee akka nyaatan hin beektani? Yookiis Luboonni guyyuma sanbataatti mana qulqulluummaa keessatti sanbata xureessan yakka ta'es akka isaanitti hinlakaa'min seera keessa hin dubisne ree? Mana qulqullummaa irraa kan caalu as akka jiru, ani isintan hima. Jecha isa " **ani aaraara feedha malee aarsaa miti**" jecha jedhu oto beekatan ta'ee, nama gargaarsa barbaadu irratti hin farddan ture. 8 Ilmi namaa mooti Sanbataati.
- Gooftaan Yesus kitaaba qulqullu keessa maqaalee dhibbaan lakka'aman ni qaba; maqaan ilma namaa jdhamuu immoo isaan keessa tokko dha. Ilmaan Addaam fakaatee, dhufudhaan angoo isaa muldhise.

- ❖ Maat 12:9 Achiis darbee Yesus mana sagadaa isaanii seene. Kunoo namnii haarkii isaa naafaa tokko achii ture; yommus jarri ittiin isa hadheesudhaaf “Guyyaa sanbataatti fayyisuun seeraa?” jdhani isa gaaffatan.11 Inni immoo isin keessaa namni hoolaa tokko qabu, hoolaan isaas guyyaa Sanbataatti boolla keessatti yoo kufe, qabe achi keessaa kan hin baafne enni inni?. Egaa namni immoo hoolaa irraa hammam hoolaa irraa haa caalu ree? Kanaafis guyyaa sanbataatti gaarii hojjachuun seera isaaniin jedhe. 13 Ergasii namichaan “harka kee dirirsii!” jedhe; jedhe namichiise diriirse,, harkii isaa deebi’ee akuma isa kaani fayyaa ta’e.Warri farisotaa garuu, gad bu’anii, attamitti akka isa balleessan mari’achuutti ka’an.
- ❖ Yesus maqaa seera tolfamaa isaani dideef qofa, Waaqa arrabseera jedhani itti ka’an. Kun of jajinsa balaa of keessaa qabuu dha.
- ❖ Namoonni kun rakataa fi deegaaf iddoo hin qaban, haa ta’u malee, seera tolfamoo wayii hin baafne, akka fudhatu barsisan. Garuu seerrii dadhabaa sun immoo gayyaa sanbataatti hojii garii ittisa! Jaldhinna garaa isaani yommu mul’isu, kitaaba qulqulluu keessaa akkana isaaniif ibse, “ani aaraara feedha malee aarsaa miti” isa jedhu isaaniif dubise.
- ❖ Maat 12:22 Yommus namicha hafuurii hamaan keessa jiru, iji isaa jaamaa, arrabnii isaas didaa tokko gara yesusitti fidan, inni immoo arrabni namichaa akka dubbatu, iji isaas akka argu, godhe isa fayyise. Yommus namoonni hundinu na’anii maalalfatanii, kuni ilma Daawiti ta’u hin danda’uu ree? Jedhan. 24 Warrii Farisoota kana yommu dhaga’n garuu, “Namichii kun Be’el Zebul hangafa seexanootaa duwwaadhaan hafuuroota hamaa ni baasa” jedhan. Yesus immoo yaada isaanii beekee, biyya kam illee taanaan, tokkuumaan isaa gara gara yoo cite, mootumaan isaa dhaabatee hin turu; mandarrii tokko yookiis maatiin tokko ofii isaa irratti ka’ee yoo garagara cabe dhaabbachuu hin danda’u. Seexannis seexana yoo baase, ofii isaatii garagar ni caba, egaa mootummaan isaa attamitti dhaabbachu ree? Yoo ani humna Be’el Zebuliin hafuurota hamoota baase ijoolleen keessan immoo humna eenyuutiin isaan baasu ree? Kanaafis ijooleedhumti keesan isintti farachiisu. Ani garuu hafuura Waaqayyotiin hafuurota hamoota kanan baasu erga ta’ee mootummaan Waaqayyo isin irratti dhufeera.
- ❖ Yoh 5:1 Yeroo kana booddee ayyaanni warra yihuudoota ture, Yesus Yerusaalemitti ol ba’e. “ karra hoolaa” isa jedhamu isa masaraa mandara Yerusaalemitti galchu cinatti bishaan kufamaan afaan Ibraayisxitti “ bête zataata” jedhamu tokkotu ture bishaan saba

bira godoo babal'aa shanantu ture. Namoonnii dhukubsataan baa'een, warra jaaman, warra naafatan,, warrii qaamni isaani gara tokkodu'es, godoota sana keessa cisanii raafamuu bishaanichaa  eegatu turan. Ergamaan Waaqayyooyeroo yerootti golba bishaanichaa keessa lixee isa ni raasa, raafamuu isaa boodde, namni dura bishaanicha keessa lixe dhukuba isa kamittii iyyuu ni fayya ture.

- ❖ Lakka.5  Namnii waggaa  sodomii saddeeti dhukumsate tokko achi ture. Yesus yommu Namicha dhukubsatee ciisuu arge, yeroo dheera hammana ga'u dhukubsachuu isaa erga beekee, Fayyuu barbaadaa? Jedhe isa gaafate. Namichii dhukubsataa sun, gooftaa bishaanich yommu raafamu kufamuu bishaanichaa keessa **nama nabusuu hin qabu;** ofii koottii immoo otoo ani itti rakkadhuu, namnii biraa na dursee keessa seena, jedhe deebiseef. Yesus immoo "Ka'i siree kee fudhadhuuti adeemi!" ittiin jedhe. Namichis achumaan fayyee, siree isaas fudhatee achii adeeme; guyyaan namichi kun fayye guyyaa sanbataa ture.
- ❖ Lakka. 10. Yommus warri yihudoota namicha fayyee sanaan, "har'I sanbata siree baachu seeri sidhowwa" jedheen. Inni garuu deebisee, "namicha isa ana fayiseetu, "siree kee fudhaduu adeemi!" anaan jedhe isaaniin jedhe. "Esaan immoo enyuu ini namichi siree kee dhudhadhuu adeemii sin jedhe? Jedhani isa gaafatan, Namichi fayyee garu eenyuu isa akka fayisee hin beekne.Yesus immoo iddoo sanatti waan tuuta'niif achii adeeme ture.
- ❖ Kana iraan kan ka'ee yihuudoonni carraa argatan kamiini iyyuu isa ajeesuudhaaf ni bardaadan ture…… ofii isaa Waaqayyo wajjiin wal qixeessa, waqayoon arabseera jedhani mala dhawatani isa jibbuudhaan isa balleesuudhaaf hojjatan… **Hojjatoota dukkana! Ta'an jechuudha.**
- ❖ Maaliif laata isa ajeechaaf kan hojatan?waan namoota dhukuba isaani irraa fayiseefi, warra deegan, waan ufiiseefi laata. Miti! Garuu inni Waaqayyo Abbaa kiyya waan jedheef.
- ❖ Laka 31, Ani waa'ee koo yoo dubbadhee dubbiin koo fudhatama hin qabu ta'e. Garuu waa'ee koo inni dubbatu jira, ragaan waa'ee koo dubatuu immoo dhugaa dha.
- ❖ Yoh 5:39  Caafata qulqullaa'oo keessaa jireenya bara baraa qabnaa jeetanii waan yaaddaniif caaffattoota ni qortu; caaffattoonnii sunis immoo anaaf dhugaa ni ba'u.
- ❖ Lakka 45 Ani fua dura abbaa kootti kanan isin hadheessuu, isinitti hin fakaatiin, kan isin hadheessu jira, innis Muse kan isin abdatani dha.

Goofataa yesus diduu isaanitiin, Musee isaan abdatan sana ganan, sababiin isaas, Museen waa'ee yesus waan haqa dubatee waan tureefii dha.

Isa Museen caafee isiniif keenne erga hin amantan ta'ee, attamitti isa ani afaan kootiin isinitti dubadhu amanti ree? Jedhe. Yoh 5:47. Gooftaan Yesus  Burqaa angoo hundumaa dha!

Waan Nu dhageessanii  eebifama!!

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 70 FFAA

## HUMNA YESUS

## KUTAA 70

**Maar 4-6; Maat 9, 10**

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota dabree keessa Gooftaan Yesus Waaqayyo abbaa kootii waan jedheef qofa isaa balleesudhaaf hojjatani turan. Ofii isaa Waaqayyo wajjiin wal qixeesse jedhanii akka waaqayyoof hin aaffaa qabanitti fakkeessan jechuudha. Yeroo sana, namooni hedduu isa dukaa bu'an, isaan keessaa walakaan isaani, dubbii isaatti kana man yommu ta'in isaan keessaa walakaan immoo yaayyoo malee isa dukaa kan bu'an turan. Yesus isaan isatti amanan keessaa duka butoota isaa kudha lamaan filatee ture. Isaanis kan filataman dubbii Waaqayyo biyya dukanaa kana keessa abdii labsaniif ture.

- Isaan kaayoo guddaa kanaaf filataman keessaa, Sim'oon isa Phexiros jedhamu, akkasumas, Endriyaas obooleessa isaa, Yaaqob ilma Zebdiyos fi ilmaan arfan kan isa waliin qurxummii qaban,kan biro immoo Filiphos, Bartelomiyos, Tomaas fi Maatewos isa qaraxa muru, Yaaqob ilma Ilfiyos, Taadiyos, Simoon isa biyya Kan'aani fi Yihudaa isa gooftaa isaa dabarsee gurguree turan.Maat 10:2-4.
- Akkasumas, dubartoota keessaa hedduu isa hordoofu dhaan lafa inni dhaqee hundda isa wajjiin adeemaa turan. Fakkeenyaaf, Maariyaam Magdalaa ishee yesus seexan torba keessa baasee, Yo'anaa hadha warraa Kuzaa isa bulchaa masaraa Heerodisii kan ture fi Susinaa dubartoota gara biro daabalatee ture (Luk 8:2-3).
- Humna adda ta'een akka warra farisoota hin taane'in angoo dhaan barsisa ture. Sababiin isaas Mootummaan Waaqayyo hasaa wajjiin dhimma hin qabuu garuu humna Waaqayyo ibsa male. (2qor 4:20).

- Maar 4:35 Yesus galagala gaafasii baratoota isaatiin “koottaa bishaan ciisaa kana galamatti ceenaa” jedhe. Baratoonnii isaa namoota achi turan gadii dhiisanii akkuma inni bidiruu keessa jirutti yesusiin fudhatanii adeeman, bidiroonnii biraas immoo isaa wajiin dhaqan. Lakka 37 yommus qilleensi jabaan bubisaa dhufee; dha’aan bishaanichaa immoo bidirichatti bu’ee bishaan itti gututti ka’e. 38 Yesus garuu bidiricha keessa gara dubaatiin waa baraafatee ni rafa ture. Baratoonnii isaa isa damaqsani, “barsisa! Dhumuun keenya isi hin dhibuu? Jedhan. Yesus damaqee qilleensicha ifatee, adabee, dha’aa bishaanichaan immoo, “cal jedhi, gab jedhis!” jedhe. Kana irratti qilleensichi dhaabanaan qabbannii guddaa ta’e. Lakk 40 Kana booddee baratoota isaatiin maatiif sodaatoo taatan? Amma iyyuu amanttii hin qabdanii?” jedhe. Isaan immoo guddaa sodaatanii, **“namnii kun enyu? Qilleensifi bishaan ni abbooma, isaanis isaaf ni aboomamu” waliin jedhan.**
- Maar 5:1 kana booddee isaan ciisa bishaanii, gama gara kutaa biyya Gergeessaa dhufan. Akkuma yesus bidiricha irraa bu’een namnii hafuurrii hamaan keessa ture tokko iddoo awwaalaa keessaa ba’ee isatti dhufe. Namichii kun awwaalota keessa jirate homtinuus funyoodhuma sibilaatiin illee isa hidhu hindandeenye. Inni yeroo baa’ee funyoo sibiilaatii fi hidhaa harkaatiin hidhameera. Garuu funyoo sibilaa of irraa ni kukkuta, hidhaa harkaas ni caccabsa ture. Kanaaf namnii tokko illee gad isa qabu hin dandeenye. Lakk.5 Namichii kun yeroo hundumaa halkanii fi guyyaa awwaalota giduutti, tulloota irrattis argamee ni iyya dhagaadhaanis of ni rukuta ture. Inni fagotti yesusiin argee gara isaatti fiigee jilbifatee, yesusiif sagade. “yaa Yeus ilma Waaqayyoo abbaa maal narraa qabdaa? Maal tu dhimma koo keessa sibuuse?” Haadaraa Waaqayyoo nah in dhiphisiin!” jedha. Yesus immoo “ati hahuura hamaa nana, namicha kana keessaa ba’I” ittiin jedhee ture. Yesus maqaan kee enyuu jedhee gafannaan hafuurichi immoo “maqaan koo dulaa nuyi baayyee dha” jedhe deebiseef. Achuumaanis hafuurota baay’ee sana biyya keessa akka hin baafneef jabeessee Yesusiin kadhate.
- Maar 5 :11 dirree gaarichaa sana irra, kunoo hoomaa booyyee bobo’anii, hamoonnii su immoo booyyee sanatti akka galluuf itti nu ergii! Jedhanii Yesusiin kadhatan. Yommus innii haa dhaqaniif isaan dhiise. Sababiin isaas, ilmii namaa uumama gara biro irraa fagoo caalaa waan ta’eef ture.,Lakka 15 yommus isaan gara goftaa dhufan, namichi seexanaan qabamee sun isa bira dhaabbatee arganiin, sodaatan.

1. Innii waaqa akka ta’ee waan baraniif ture, seexana aboomee waan ajajeef. Aboo kana eessaa argate?maar 6:2.
2. Namich sun iddoo isaa jijiiree uffatee arganiin. Gooftaan yesus seenaa namaa jijira. Amee!

Haardhas Humnii Gooftaa jireenya kee jireenya kiyya keessa ni hojata! Ameen!

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 70 FFAA

## HUMNA YESUS

### KUTAA 70

### Maar 4-6; Maat 9, 10

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota dabree keessa Gooftaan Yesus Waaqayyo abbaa kootii waan jedheef qofa isaa balleesudhaaf hojjatani turan. Ofii isaa Waaqayyo wajjiin wal qixeesse jedhanii akka waaqayyoof hin aaffaa qabanitti fakkeessan jechuudha. Yeroo sana, namooni hedduu isa dukaa bu'an, isaan keessaa walakaan isaani, dubbii isaatti kana man yommu ta'in isaan keessaa walakaan immoo yaayyoo malee isa dukaa kan bu'an turan. Yesus isaan isatti amanan keessaa duka butoota isaa kudha lamaan filatee ture. Isaanis kan filataman dubbii Waaqayyo biyya dukanaa kana keessa abdii labsaniif ture.

- Isaan kaayoo guddaa kanaaf filataman keessaa, Sim'oon isa Phexiros jedhamu, akkasumas, Endriyaas obooleessa isaa, Yaaqob ilma Zebdiyos fi ilmaan arfan kan isa waliin qurxummii qaban,kan biro immoo Filiphos, Bartelomiyos, Tomaas fi Maatewos isa qaraxa muru, Yaaqob ilma Ilfiyos, Taadiyos, Simoon isa biyya Kan'aani fi Yihudaa isa gooftaa isaa dabarsee gurguree turan.Maat 10:2-4.
- Akkasumas, dubartoota keessaa hedduu isa hordoofu dhaan lafa inni dhaqee hundda isa wajjiin adeemaa turan. Fakkeenyaaf, Maariyaam Magdalaa ishee yesus seexan torba keessa baasee, Yo'anaa hadha warraa Kuzaa isa bulchaa masaraa Heerodisii kan ture fi Susinaa dubartoota gara biro daabalatee ture (Luk 8:2-3).
- Humna adda ta'een akka warra farisoota hin taane'in angoo dhaan barsisa ture. Sababiin isaas Mootummaan Waaqayyo hasaa wajjiin dhimma hin qabuu garuu humna Waaqayyo ibsa male. (2qor 4:20).

- ♦ Maar 4:35 Yesus galagala gaafasii baratoota isaatiin “koottaa bishaan ciisaa kana galamatti ceenaa” jedhe. Baratoonnii isaa namoota achi turan gadii dhiisanii akkuma inni bidiruu keessa jirutti yesusiin fudhatanii adeeman, bidiroonnii biraas immoo isaa wajiin dhaqan. Lakka 37 yommus qilleensi jabaan bubisaa dhufee; dha’aan bishaanichaa immoo bidirichatti bu’ee bishaan itti gututti ka’e. 38 Yesus garuu bidiricha keessa gara dubaatiin waa baraafatee ni rafa ture. Baratoonnii isaa isa damaqsani, “barsisa! Dhumuun keenya isi hin dhibuu? Jedhan. Yesus damaqee qilleensicha ifatee, adabee, dha’aa bishaanichaan immoo, “cal jedhi, gab jedhis!” jedhe. Kana irratti qilleensichi dhaabanaan qabbannii guddaa ta’e. Lakk 40 Kana booddee baratoota isaatiin maatiif sodaatoo taatan? Amma iyyuu amanttii hin qabdanii?” jedhe. Isaan immoo guddaa sodaatanii, **“namnii kun enyu? Qilleensifi bishaan ni abbooma, isaanis isaaf ni aboomamu” waliin jedhan.**
- ♦ Maar 5:1 kana booddee isaan ciisa bishaanii, gama gara kutaa biyya Gergeessaa dhufan. Akkuma yesus bidiricha irraa bu’een namnii hafuurrii hamaan keessa ture tokko iddoo awwaalaa keessaa ba’ee isatti dhufe. Namichii kun awwaalota keessa jirate homtinuus funyoodhuma sibilaatiin illee isa hidhu hindandeenye. Inni yeroo baa’ee funyoo sibiilaatii fi hidhaa harkaatiin hidhameera. Garuu funyoo sibilaa of irraa ni kukkuta, hidhaa harkaas ni caccabsa ture. Kanaaf namnii tokko illee gad isa qabu hin dandeenye. Lakk.5 Namichii kun yeroo hundumaa halkanii fi guyyaa awwaalota giduutti, tulloota irrattis argamee ni iyya dhagaadhaanis of ni rukuta ture. Inni fagotti yesusiin argee gara isaatti fiigee jilbifatee, yesusiif sagade. “yaa Yeus ilma Waaqayyoo abbaa maal narraa qabdaa? Maal tu dhimma koo keessa sibuuse?” Haadaraa Waaqayyoo nah in dhiphisiin!” jedha. Yesus immoo “ati hahuura hamaa nana, namicha kana keessaa ba’I” ittiin jedhee ture. Yesus maqaan kee enyuu jedhee gafannaan hafuurichi immoo “maqaan koo dulaa nuyi baayyee dha” jedhe deebiseef. Achuumaanis hafuurota baay’ee sana biyya keessa akka hin baafneef jabeessee Yesusiin kadhate.
- ♦ Maar 5 :11 dirree gaarichaa sana irra, kunoo hoomaa booyyee bobo’anii, hamoonnii su immoo booyyee sanatti akka galluuf itti nu ergii! Jedhanii Yesusiin kadhatan. Yommus innii haa dhaqaniif isaan dhiise. Sababiin isaas, ilmii namaa uumama gara biro irraa fagoo caalaa waan ta’eef ture.,Lakka 15 yommus isaan gara goftaa dhufan, namichi seexanaan qabamee sun isa bira dhaabbatee arganiin, sodaatan.

3. Innii waaqa akka ta'ee waan baraniif ture, seexana aboomee waan ajajeef. Aboo kana eessaa argate?maar 6:2.
4. Namich sun iddoo isaa jijiiree uffatee arganiin. Gooftaan yesus seenaa namaa jijira. Amee!
5. Haardhas jireennaa hammeennaa graa garaa keessa warri jiraatan, seenaa jijiiraan Yesus gara keessan waan ta'eef wanta isiin sadaachisuu hubdda gara isaa fidaa malee rakkiinna keessan wajjiin hin jiraatiina.Ameen!

- Marq 6:1 yesus biyya sana dhisee gara biyya itti dhateetti adeeme, baratoonni isaas isa wajjiin adeemanis. Guyyaa sanbataas, gara mana sagadaa galuudhaan barsisuu jalqabe; namoonni isa dhaggeeffatan hunddii isa maalalfatan; wantoota kanneenis isaa argatee? Jedhani walgaffatan. Ogummaa isa baasa ittiin hojjatu kana eessaa argatee? Jedhani wal gaaffatan. Namni kun boca yookiin anaxii mitii? Namnii kun ilma Maariiyaam, oboolaa, yaaqoon, Yihuudha, Yoseef, fi Simoon mitii? Obbooleetoonni isaas isaan hun wajjiin jirani mitii? Kanaanis isatti gufatan. Ysus deebisee, raajiin biyya isaatti, maatii isaa jidduutti ulfinna hin argatu jedhe. Kana irraa kan ka'ee namoota muraasa haarka isaa kaa'ee kadhaachuun ala dhinqii tokko illee hin dalagnee ture.
- Inni foon uffatee gara biyya lafaa dhufee Waaqa ture. Angoon hundumaa isaaf keenameeraaf, gooftaa fi fayisaa dha. Kanaaf, inni gara kee waan ta'eef ,seexanaaf ergamoota isaa sodaachu hin qabdu.

Gutummaan Waaqayyuummaa namummaa kiristoos keessa ni jiraata,isinis isuma warra bantii Waaqaa keessatti goftummaa qabanii fi aboo qaban hundumaaf mataa ta'e sanaan gara gutummaa jireenyaa dhuftanittu. Qol 2:9-10.

Isa kan qabatani jirtu lata? Isa angoon irraa hudhatam seexana lata? Isa hin sodaatiina karaa goftaa yesus agoon isaa irraa hudhatamee waan jiruuf seexanni harka duwwa jira. Inni badhaadhummaa bara baraa isinii ni keenna! Dhifana cubbuu argatu kanaaf galgala kana abbaan keessan waamicha isiniif gadha jira jechuudha.

*Gutummaan Waaqayyuummaa namummaa kiristoos keessa ni jiraata,isinis isuma warra bantii Waaqaa keessatti goftummaa qabanii fi aboo qaban hundumaaf mataa ta'e sanaan gara gutummaa jireenyaa dhuftanittu. Qol 2:9-10.AMEEN!*

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 71 FFAA

## JECHAMA YOOKIIN FAKKEENYA LAMAAN BAAYYEE MURTEESSA

LUQ 8; MAAT 13

**Maqaa Waaqayyootiin**, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf barbaaduun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a!

Barnoota torbaan barannee keessa, goftaan yesus raajoota hundda caalaa angoo qabeessa akka ta'e agarree turre. Angoo Waaqummaa gutumatti ni qaba. Namuummaa namaa keessatti aboo waaqaummaa gutumatti qaba. Kanaaf ture, seetana kan aboomu, qileensa yookiin bakakaan isaaf aboomama ture; jaamaan akka argu, dhibamaan akka fayyu, kanamalees du'aas bolla du'aa keessa ba'e akka jiraatu godha ture.

- Haardha Kitaaba Wangela (injili) keessaa goftaan Yesus fakeenyaan akka barsisee itti fufnee ni ilaalla. Namooni isa naan'ani jiran dhugaa baruudhaaf qophaa'oo waan hin turreef goftaan yesus yeroo baayyee fakeenyaan isaaniin ni barsisa ture. Dhibee fooni irraa isaaniin akka fayisuu malee, lubbuu isaani **cubbuu** irraa akka fsyisuu hin barbaadan ture.

Waaqayyoo namnii dhugaa baree akka fayyuu, deebi'us ni barbaada, eegaa nuti onnee keenya yoo cufnee, dhugaa isaa akkamiin barchuu dandeenya ree?

Hubannaa argachuudhaafis gudiftee yoo iyyatte,….Akka nama meetii barbaaduutti, akka qabeenya dhokfamee barbaaduuttis ishee yoo barbaadde, atis yoomus Waaqayyoon sodaachuu ni baratta, waan ittiin ishee baratus ni argata. Prov 2:3-5.

- Barbaachi yookiin beellii keenya maali laata? Qabeenya biyya lafaa caalaa waaqa barbaaddaa laata? Siif inni guddaan jireenya kee keessa maal inni? Haa ta'u malee, garaa keenya beekun nama rakisa, sagaleen Waaqayyo ibsaa dhugaa waan ta'eef fakilee Yesus dubatee mee gadii fageenyaan haa ilaallu.

- Luq 8:4 Namoonni yommus mandar garaa garaatii gara yesusitti ni yaa'u turan. Tuuti waayeen yommu waltti gaqamanitti yesus fakeenya kana itti hime. Lakk.5. namichii tokko sanyii facaafachuudhaaf ba'e, utuu facaasuus kan karaa cina bu'anii , achitti namnii irra ijjate, simbirroonnis funaananii nyaatan. Kaan immoo lafa dhagaa qabu irra bu'an, erga biqilaniis biyyoon isaa jiidha waan hin qabneef gogan. Sanyii faca'ee keessaa kaan qoraatii yookee qoree keessa bu'an; qoraatichiis wajjiin biqilee **isaan hudhe.** Kaan garuu biyyoo ba'eessa keessa bu'an, biqiilanii, gudataniis, tokkon tokkon isaanii dhacha dhibba ja'a godhatan jedhe. Yesus sagalee isaa ol fudhe Gurra ittiin dhaga'u kan qabu haa dhaggeeffatu" jedhe.Lakka.9. Ergasii baratoonni isaa hikaan fakeenya kanaa maali? Jedhanii yesusiin gaaffatan. Yesus deebisee, " dhoksaa mootummaa Waaqayyoo beekuun isiniif kennameera; warra kaaniif garuu, utuuma ilaalanii akka hin arginetti, utuma, dhaga'anii akka hin hubanetti fakeenyaan ni kenama isaaniin jedhe. Hikaan namicha sanyii facaasuu isa kana; sanyichi dubbii Waaqayyoo ti. Karaa cinaa inni jedhamee immoo namoota dubbii Waaqayyo dhaga'anii, seexanii dafee akka isaan amananii ittiin hin fayineef, dubicha garaa isaanii keessaa butatuu ti. Garuu hidda gad fagoo waan hin qabneef, yeroo dhaaf ni amanu; yommu qoramani dafani kufan. Sanyiin qoraatti keessa bu'ee fakeenya warrra dubbii Waaqayyo dhaga'anii agruu gara haawwii isaanii deebi'ani dha.Lakka.15 Garuu, sanyiin inni lafa ba'ese irra bu'e fakeenya warra samuu gaarii fi waaqa dhaga'ani ija godhatani dha.
- Fakeenyi isiniif ifee? Iddoo kanatti wantoota lamaan ni ilaalla. Sanyii fi biyyo. Sanyiin maal agarsisa? Goftaan Yesus maal jedhe laata? Sanyiin dubbii Waaqayyo isa dhugaati. Biyyoon immoo onnee ilmaan namaati. Onneen ilmaan namaa maal fakaachuu akka danda'u.
- Dhugaa dha, dubbiin Waaqayyo sanyii ba'esa sana fakaata. Inni dubbii jireennaa fi humna qabeessa waan ta'eef jireenya bara bara baraa nuf keenu fi eebba dhugaa bira nu geessuuf ni danda'a. Garuu oneen namaa immoo akka biyyo gogeesaa fi jabaa ta'u ni danda'a.
- Kanatti fufnee sadarkaa afuriin jiran ni ilaalla;

1.Sanyii karaa irra bu'e.

2. Sanyii isa kattaa irra bu'e.

3.Sanyii isa qoraatti irra bu’e.

4. Akkasumas sanyii isa biyya ba’essa irra bu’ani dha.

1ffaa Biyya lafaatti baayyeen akka fakeeyya sanyii isa karaa irra bu’een fakeefamee dhaga’a. Karaa namni deemeen deeman malee karaa Waaqayyo irra hin deeman jechuudha. Onneen isaan akka daandii namni irra deemuu sana jabaa waan ta’eef hin dhaga’an. Yaada Waaqayyoo dhaaf iddoo hin keenan. Adaadhaan jiraatan malee Yesusitti garaa gutuudhaan hin amanan.

2ffaa sanyii katta, lafa gogeessa irra bu’e dha. Dubbiin Waaqayyo onnee isaa keessa gadii fageenaan hin biqillee jechuu dha. Gamachuu dhaan dhaggeeffatan garuu ittiin hin jiraatan, yeroo dhaaf gamadan jechuudha. Yeroo qormaataa dhugaa irra jabaatani hin dhaabbatan jechuu dha. Akkuma sanyiin lafa kattaa irra bu’e wayii hin baafneetti, isaanis wayii hin baasan.

3ffaa Inni biyyoon sadaffaan immoo isa biyyoo qoree biqilcheedha. Sanyiin qoree keessa bu’e maal ta’a, ija godhachu danda’a? qoreen akka hin biqillee isa gadi qaba. Haawwiin biyya lafaa sorummaan isa mo’a jechuudha. Seexannis isaan dubbii Waaqayyoo gad fageenyaan hin beekne sirritti beeka.

Akeeki garaa namaa akka bishaan gad fagooti nama huataa duwwaatu isa keessaa araaba. Fakke.20:5.

4ffaa Inni arfaffaa biyyoo isa ba’eessa ta’eedha. Sanyiin kana irra facaafamuu gad fagaatee biqila, ijas ni godhata, namni facaasesa qabeenya guddaa ni argata jechuudha. Isaanis fakeenya isaa onnee gaari qabaatani fi dubbii Waaqayyootti isaa amanani dha. Iddoo kanatti sanyiin kun fakeenya dubbii Waaqayyo dha, onneen keenya immoo akka lafa jabaa sanaati. Dubbii isa dhugaatiin qotamuu barbaada jechuu dha.

Obboloota ko jaallatamoo! Namnii adduma addaan dhaga’utti ariifataa, dubbachuttis suuta jedha ta’uun, dheekamuuttis suuta jedha, ta’uun akka isa irra jiru beekaa! Dheekamsi namaa Waaqayyoo duratti qajeelina namaa hin hojjatu. Yaaq 1:19-20. Lakk.21. Kanaafis Xuraa’ummaa,hammina safara dhabes hundumaa of irraa fageessa! Dubbii lubuu keessan fayisuu danda’u, isa kanaaf dhaabame sanas garraamummaa dhaan fudhadha!

- Keessii kee maal siin jedha? Sanyii  isa lafa kam irra facaafameedha laata? Kattaa irra? Lafa lafa mijataa irra facaafame? Isa lafa mijataa irra facaafamee ija godhachu ni danda’a. inni lafa gogaa irra bu’e immoo gati akkuma hin qabaanneetti namnii dubbii Waaqayyo hin ammannes akkasuma.
- Fakkeenyii inni lammaffaan immoo Maat 13:24 irraa ni argama, Yesus ammo fakkeenya biraa tokko isaanitti hime, motuummaan Waaqaa nama sanyii gaarii qotiisa isaatti facaafate ni fakeekkeeffama. Yeroo namni rafuttis dinnii namichaa dhufee, inkirdaada qamadii keessatti facaase sokke. Hojjattoonni wanta isaan mudateetti na’ani gofticha isaanitti wanta ta’e hundumaa itti himan, inkirdada sanas balleessuudhaafis, fala falatanis itti ibsan. Innis Inkirdaada yoommuu buqistan, qamadi waan midhuuf dandeeteniif, dhisaa amma yeroon dhumaa ga’utti hin tuqinaa isaaniin jedhe.
- Fakkeenya inkirdaadaa keessatti, goftaan yesus inkirdaada, biyya lafaa wajjiin wayita fakkeessu, isa qotee bulaa sanyii facaafatee immoo, fakeenya fayisaa keenya yesusi dha. Inni hinkirdaada jacaaffatee immoo fakeenya seexana ti.
- Egaa nuti ennuun fakaanna ree laata? Sanyii ba’eessa ta’uudhaaf dubbii isaatii haa amannu! Ameen! Namnii gurra qabuu haadhaggeeffatu! Maat 13:43.

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 72FFAA

### BIDEENA JIREENNAA

#### MAAT 6, YOH 6

**Maqaa Waaqayyootiin**, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf  maqaa waaqa barbaaduun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a!

- Barsisa goftaa yesus isa fakkeenyaan barsisaa, dhugaa bara baraa agarree turre. Haa ta'u malee waldaan isa naanneessani turan  garu  barsisa isaa waan hin hubanneef gara barbaadanitti dabsuu dhaaf ni yaalan ture. Kanaaf wantoota biyya lafaa maaleelfatan malee isaa  bara baraa maalalfatan miti. Bu'aalee lafa kanaatiif jedhani isa dukaa bu'an malee dhifama cubbuu marbaacha miti.

- Haardha kan itti fufnee ilaallu, haassawwan goftaan haasa'e ni ta'a, Inni baassawwan garaa garaa dalagu isaatiin dubbii isaa hojii irra olche.

  Biddeenni yookiin nyaanni bara baraa yesusi irraa argamu, jireenya dhugaa namaaf keenna.

Maarqos 6:30 , Barattoonni isaa isa naan'ani turan… namoonni  baa'ee ni dhufuu ni deemus waan ta'eef kanaaf nyaataaf yeroo hin qaban turan.  Ana wajjiin kotaati, iddoo qbanaa kanatti boqodha jedhe. Isaanis, bidiruu dhaan  gara lafa gaadisaatti adeeman. Nmoonni maayeen, adeemsa baratoota yesus argani isaanin darsani gara lafa gaadisaa sanatti dhaqaban. Yesus immoo, achi yommu ga'u isaan argee gudisee isaaniif mararfate, kunis isaan akka hoolota tikse hin qabnee waan fakaatsni ture. Ergasi Yesus wantoota heddu isaan barsisu jala qabe. Yeroon waan galgalaa'aa adeemeef, iddoo kanatti waan chaattamuu waan hin jirreef, tuti kun hunddi asi nyaata waan hin arganneef, yeroo dhaan gara qachaa isaani akka adeeman isaan geggeessi jedhaniniin. Yesus  deebisee, isinuu wantta nyaattamuu isaaniif keennaa jedheen. Kuni horii baayee barbaadaas, geemnee horii kana hundda baasu qabnaa? jedhani deebisaniif.Kana irratti bideena meeqa qabdan? Deemaati ilaala, jedhe isaaniin gaffate. Isaanis bideena shani fi qurxummii lama jedhaninii.

*Yesus garee gareedhaan akka wandaa lafa magarisa irra teesisan isaan aboome. Bideenan shamani fi qursumii lamaan gara Waaqaatti ol fudhe galateeffate. Ergasi barattoota isaatiif keene waldaa dura akka kaa'an isaanitti hime. Qurxummilee sanas waldaa dhaaf hire. Hunddii isaanis nyaatani qufan, barattoonis haambbaa bideenaafi qurxummi gunddoo 12 walitti qaban. Laakoofsi dhiroota nyaata irra hirmaafan 5,000 ture. Erga waldaa geeggeesse boodde, bttalumatti barattoonni isaa bidiruu akka yaabbatani isa dursani gara Beta sayida adeeman itti hime.*

- *Isaaniin erga geggeessee booddee inni kadhannaadhaaf gara tulluutti ol ba'e. Yeroo lafti dhituus, bidiruun walakkaa galaanichaatti ga'e, innis qarqara bishaanichaatti kophaa isaa ture. Barattoonni isaa bidiruudhaan oto adeemaa jirani bidiruun qilleensa qilleensa'uun akka rakkachaa jiran arge.Innis qilleessi isaaniin faallaa waan ta'eef ture. Haalqan kees kutaa arfaffaatti bishaan irra adeemaa gara dhufe. Innis isaan irra darbee deemuuf ture, innis bishaanicha irra deemu isaa yommu arganitti ekeera dha se'anii iyyan. Innis jabaadha! Hin sodaatiinaa, ana dha! Innis isaan wajjin bidiruu irra koree, qilleensis ni tasgabaa'e. Wanta bideena shaman fi qurxummii lamaaniin inqii dalagee waan hirraanfataniif, Isaan gudisani maalalfatan. Erga glaanicha taakkan boodde, biyya Geenesartti bufatan.*
- *Yoh 6:22 Guyyaa itti anutti, namoonni heedduu, bidiruu tokko qofaa akka jiruu, yesus immoo barattoota wajjiin akka hin adeemnee arganitti, galaanichaan gamas ni taa'an. Ammalee waan tokkoo barbaadani jiran jechuu dha. Isaanis, yesusi fi barattoonn isaa achi akka hin turreetti erga qulleessan boddee, bidiruu isaani yaabatan isaaniin barbaacha sokkan. Galaanichaan gamasitti isaa wayita arganitti, Barsis yeroo kam asgeette? jedhani gaaffataninnindukaa hin dhugumaan isiniin jedha, maasaa fi dinqii waan arditaniif ana hin bunee garuu waan nyaatanii quftaniif male isaaniniin jedhe.*
- *Nyaata baduuf hin dhama'inaa! Nyaata jireenya bara baraatiif argamuuf dhama'aa malee! Isaanis egaa isaanis hojii waaqayyoo kanaatiif akka dhamaanuuf maal haagonu? Jedhani isa gaaffatan.Lakk 29. Yesus deebise, isa inni ergeetti amanu keesaniin hojii Waaqayyo ni hojjattu jedheen.*

*Yesus nyaata baduuf nin hojatiinaa maaliif isaaniin jedhe laata? Of sorachuu dhaaf hojjachuu hin qabnu ree? Akkanaa miti, 2Tasooloonqee, 3:10, namnii hojii hojjachu hin barbaannee hin nyaatiin waan jedhuuf, yesus nyaata baduuf hin hojatinaa yoommuu jedhu, garaa keessan gutuudhaaf qofa hin hojatinaa, guddiinna biyya lafaa kana haawwuu dhan hin hojjanina, kana qofaaf yoo jiraattan taanaan,balaa keessa jirtan jechuu dha jech isaa ti. Isin keessa wantta hin badneetu jira, lubbuu keessan jechuu dha. Foon keenya ni bada isaqofaaf yoo jiraanna taanaan isaa wajjiin ni badna jechuudha. Lubbuun keenya garuu, Waaqa wajjiin (samii) yookiin, abidda bara baraa keessa(si'oli) bara baraan ni jiraatti jechuu dha. Nyaata baduuf hin hojjatinaa jechuun, wanta baduuf hin jiraatinaa jechuun kaayyoo malee hin jiraatinaa jechuu isaati. Namnii bideena qofaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyootin malee.(Maat 4:4).*

*Wantti nama gadisisuu namoonni isa naana'an hunddi dubbii jiraataatiif dhimma hin qaban ture. Garaa isaani gutuun isaaniif waan guddaa ture.(Yoh 6:27). Hojii Waaqayyo jechuun isa inni ergeetti manu jechuu dha.*

- *Barsis Goftaa, ilmi namaa cubbuu irraa dhatee akkamitti Waaqa gammachisuu danda'a? ufii keenyaan seexana olchuu dandeenya? Gonkumaa hin dandeenyu!*
- *Namni kan Waaqa gammachisuu Isa abbaadhaan ergameetti amanuudhani, malee hojii dhaani miti.*
- *Isatti akka hin amannee gaaffii tokko gaaffatani mirkaneessan; arginee akka amannuu maasa akkami nutti agarsisattaa? Jedhaniin.Nama gadsisa.Yoh 6:30.*
- *Ani dhgumaan isiniin jedha bideena sanii irraa kan isiniif keennee Musee hin turre, abbaa kiyya isaa samii iraati male.Bideemmi samii irraa bu'ee jireenya namaaf keenna isaaniin jedhe.Lakka 35. Yesus, ani bideena jireennaa ti. Amnii gara koo dhufu hin beela'u, gonkumaas hin dheebotu. Ilmaan Israa'el lafa gammoojjii keessa akka hin dhumneetti samii iraa nyaata isaaniif keenne, warri nyaata sana nyaatan hunddii ni dhuman,garuu ennuu illee gara yesus yoo dhufee hin yeella'u.*
- *Haardha nuti beellii fi dheebuun keessan maali laata? Karaa kamitiin qufuu dhaaf filanna laata?*

Yeus itti fufe isin warri itti dhamaatanii dadhabdan, ba'aanis kan isinitti ulfaate, hundinuu gara koo kottaa ani boqqonnaa isinifan keena (Maat. 11:28)

Yesus yommus ana buddeen I jireenyaa, gara kook an dhufu hin beela'u, kan anatti amanus matumaa hin dheebaotu. (Yoh 6:35) Ameen.

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 73FFAA

## YESUS GARA GARA QODU ISAA

## DUKANAAFI IFA, JALLATAA FI QAJEELAA GARA GARA BASSA

**Maat 15,16; Yoh 7**

**Maqaa Waaqayyootiin**, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa barbaaduun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a. Haardhas mataduree karaa Haqa jedhu kan itti fufna.

Barnoota torbaani keessa goftaan yesus namoota 5,000 akka nyaachisee,gunddoo 12 akkahurraan hafee, namoonni kan hundda argan immoo isatti amanuu akka hin dandeenya, seenaa gadsisaa ta'ee agarree turre. Goftaan yesus keessa namaa beeku, bideena baduuf hin hojatinaa, (fooniif), garuu lubbuu keessan isa barabaraan jiraatu, samii Waaqa wajiin yookiin si'ol sexana wajjiin jiratan, kanaaf, bara baraan, Yesus wajjiin jiraachu dhaaf anatti amanaa isaaniin jedhe. Nmnii gara koo dhufu hin beela'u. Ameen. (Yoh 6:26,27,37).

Namoonni baayyeen kaayyoon isaani, nyaata baduu waan tureef gara booddee deebi'ani, isaan keessaa muraas yesusitti ni amanan, garaa isaanitiin inni ilma Waaqayyo akka ta'ee waan baraniif ture.

Haardha Goftaan yesus, garaa barsisoota seera tiin akkamitti akka falmi keessa galee itti fufne ni ilaalla.Yesusi irraa kan ka'ee immoo Yihudoonni iddoo lamatti akka hirmanis ni argina. Warrii Farisootaa, isaan hayyuulee, waan hundumaa caalaa, adaafi  seera abooti isaani dursan malee yaada Waaqayyoo dursan miti. Fakeenyaaf, yommu gabaa dha deebi'an dhiqatan malee hin nyaatan, adaalee hedduu qaban ture.

Maat 15:1 Warra Faarisootaa fi barsisoonni muraasa  Yerusaalemitti gara Yesus dhufani, barattoonni kee maaliif seera abbooti keenya cabsan? jedhani isa gaaffatan. DEeebiin Yesus immoo, isin maaliif feedhii dhunffaa keessaniif jettani, seera Waaqayyoo daddarbitan? Dubbiin Waaqayyo abbaa fi haadha kee ulfeessi ni jedha, isin garuu, keennaa garaa garaa mana Waaqayyoof yoo keenna akka abaa isaa fi haadha isaa kabajeetti lakaa'amaaf jettu. Kaanis seera

keesaniif jettani seera Waaqayyo tuffatan. Isin fakkeesitootanan, Raajichi Isaayaas Waa'e keessan, ummanni kun afaan isaatiin nakabajaa garaan isaa garuu narraa baayyee fagoo dha. Garaan isaani ana irraa guddaa fagoo dha, barsisi isaanis seera namaa bu'ureefate.

Goftaan Yesus fakkeessu farisoota ifaa ifatti muldhisee, isaan fula dura namaatti namoota haqa fakkaachuudhaaf barbaadan, inni garruu,keessa isaani, gara ifaatti baasuu dhaan, fakkeessaa ta'uu isaani agarsiseen. Fulli isaani, qulqulluu ta'u nidanda'a, keessi isaani garuu, cubbuudhaan isa cxuraa'ee dha. Haarka qulqulluu caalaa onneen qulqulluun barbaachisaa dha. Seerrii farisootaa, ba'aa namatti guraa malee qulqullinna namaaf hin keennu.

Maat 15:7 Isin of tultoota, Raajichi isaayaas, sabni kun afaan isaatiin na ulfeessa, garuu garaan isaa naraa fagoo dha jedhe raaguun isaa dhugaa dha. Barsisi isaan barsisan seera namaati, seera namaatiinis na Waaqeessu.

Waldaas ufitti waamuudhaan, siritti dhageeffadha, wanti afaanitti, seenu nama hin xureessuu, kan afaani ba'u malee, kan afani ba'u nama xureessa. Barattoonn isaa gara isaa siqani, warri Frisoonni, sitti akka gufatan sgartee? jedhan. Biqiltuun, abbaan koo hin dhaabne ni buqa'a. Isaan irraa goraa isaan, jaamoota jaamoota akka isaaniis karaa ni agarsisu. **Jaamaan jaamaa yoo kan geeggeessu taanaan isaan lachuu bolla keessa ni kufu.**

Pheexiros, goftaa dhaan, fakeenya kana nuf ibsii jedhe gaaffateen, yesus Pheexirosiin amma iyyuu hin hubatu? Jedheen. Isaan afaan ba'anii nama xureessan,, isaan onnee namaa keessaa ba'an yaada hamaa, ajjumma, halalumma, hanna, sobaan dhugaa ba'uu nama salphsisu; **isaan kuneen kan nama xureesani dha.**

Yesus lafa sana dhisee gala galaana galilaatti adeeme; ol ba'ees gaara jala taa'e. Tuuti heeddu, nama laamsha'ee, jaamaa, okoolaa dudaa fi kan kana fakaatan baayyee gara isaa fidan, milla isaa jalas ni kaa'an.Innis isaan ni fayisee. Yommuu dudaan dubbat, okoolaan utaalu, laamsha'n adeemu fi, jaamaan ilaalu arganitti, ummanni ni maalalfate. Waaqa Israa'elitifis galata galche.

Maat 16:1 Ergasi Frisoonni fi barsisoonni seera gara isaa dhufani, waaqa irraa baasa nutty agarsisi jedhani is qoratan….innis isaaniif yommu deebisuu waa'e qileensaa ni beektu, haala qileensaas, ni tilmaamtu,dhaloonni hamaa fi gargagagalaanis milikita ni barbaadu, garuu milikita

Yonaasiin ala milikita tokk illee itti hin keenamu. Akuma yonaas, garaa qurxummii keessa bultti sadii fi akkuma bule, ilmii namaas, bulti sadii garaa lafaa keessa ni bulaa isaaniin jedhe. Lakk.41. guyyaa firditti, ummanni, Nananawwee du'aa ka'ee dhaloota kanatti ni farada. Isaan, labsii yonaasitiin qalbii isaani waan gedarataniif;…**amma garuu kan yoonaasiin caaluu as ni jira.**

Raajiin yesus akkuma yonaas, garaa qurxummii keessa guyyaa sadii buleetti Yesus garaa lafaa keessa guyyaa sadii ni bulaa, yoonaasis guyyaa sadii boodde akkuma garaa qurxummii keessaa bs'ee ilmii namaa garaa bollaa keessaa ni ba'a.

Yon 7:1 Yesus galilaa keessa ni naana'ee , yihuudoonnis isa ajeesuudhaaf fucha barbaadan; Ayyaanni Yihuudoota isa ayaana gordoomaa jedhamu tokko dhiyaate ture. Obooloonni yesus immoo, barattoonni kee hojii ati hojjattu akka arganii fi iddoo kanaaa ka'iti, kutaa biyya galilaa dhaqii. Ennuu illee mul'innatti yoo beekamuu barbaade, hojii isaa dhaksaatti hin hojjatu, amma garuu ati hojii kana hundumaa ni hojjatta erga ta'ee biyya lafaatti uf mul'isi ittiin jedhan. **Obooloonni isaas itti hin amanne ture.**

Yoh 7:6 Yesus yeroon anaaf ta'uu amma illee hin geenye, isiniif garuu yeroon hundinuu kan ta'u isinitti fakaats. Biyyi lafaa isin jibba miti, ani hojiin isaan hamaa akka ta'ee waan raggaasisuuf anam jibba male.

Namnii dheeboote hunddii gara koo haa dhufu, ani bishaan jireennaa keenaaf jedhee yesus waamicha dinqii!

Yoh 7:45 Naa'oonn warri Yesusitti ergaman gara luboota warra Farisootaattis ni deebi'an ; isaan immoo maaliif Yesusin hin dhindhi'eesinee? Jedhani Naa'otaan gaafatan. Lakka.46 Naa'onnis " Akka namicha kanaatti takkaa namni dubatte hin beeku jedhanii debisaniif. Kana irratti warrii Faarisoota isinumaa iyyuu karaa irraa isin kaachise. Lakka.48 Warra aboo qaban keessaa yookiis warra farisoota keessaa tokko iyyuu isatti amanee jiraa ree?

Warra gurguddoo jechuunis Farisoota keessa tokko illee hin amanne. Yesusiin ni jibban, isaan keessaa namnii tokko yesusiin akka Masihitti fudhatu hunddii walddaa keessaa ni ari'aman jedhani sodaachisu itti fufan. Kamtu caala ree, mana Waaqeeffannaa dhabuu dha immoo Mootummaa Waaqayyoo dhabu? Anaaf garuu mootummaa Waaqayyooo naaf waayya.

Goftaan malee fayyinni hin jiruu. Yoh 14:6

Yesus immoo biyya lafaa irratti nagaa fiduu dhaaf  waanan dhufee isinitti hin fakkaatiin; ani biyyaa fiduu dhaan  dhufe alee; nagaa fiduu dhaaf hin dhufne. Ana caalaa abbaa isaa yookiin haadha isaa kan jaallatuu anaaf hin ta'u. Maat 10:34-37.

*Inni kan dhugaa ta'ee hunddii ana ni dhaga'a!* (Yoh 18:37)

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 74[FFAA]

## IBSAA BIYYA LFAA

## Yoh 8, 9

**Maqaa Waaqayyootiin**, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa barbaaduun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a. Haardhas mataduree karaa Haqa jedhu kan itti fufna.

Sagantaa dabree keessa barsisoonni sera, farisoonni, dhugaa inni barsisuu fidhachu miti, isa balleesuudhaaf baayyee akka dhama'an agarree turre. Inni aarsaa cubbuu ta'e Waaqayyoon waan mudamee dhufeef innu illee isa irratti harka isaa hammeennaaf yeroo malee dirirsuu hin danda'u. Ameen. Innis dinqii garaa garaa dalaguu dhaan, jaamaan akka arguu godhuu dhaan, naafaan immoo akka ulaaluu godhudhaan, warra isa saldhisan karaa dhugaa irraa akka goran agarsiseen. Inni ibsaa biyya lafaa hundumaati. **Adunyaan Isa malee dukana dudaa dha**.

Yoh 8:1 gara galglaatti mana sagadaatti, namoonni hunddii gara isaa dhufani isa naan'an, innis isaan barsisuudhaaf ni taa'e. And, Ysusis isaaniin akkana jedhe, ani ibsaa biyya laffaati. Namni ana hordoofu, dukana keessa hin deemu, ibsaa jirreennaa argataa male. Yeroo bayyee Warri Farisoota yesusiin ni danqan ture, akana jedhaniniin, ati ufi kee irra raggaaste, ragaan keetis dhugaa miti. Ysusis, ani waa'e koo yoon dubadhe, ragaan koo dhugaa dha. Ani isaa akkan dhufe esees akka deemu nan beekaa; isiin ani essaa akka dhufee eessas akka deemu hin beektan. Isiin gadi dha ani immoo oli dha. Isiin kan biyya lafaati, animmoo kan biyya lafaa miti. Cubbuu keessaniin akka dutan isiniitti himeeni ture. **An isa ani jedhee tu'uu koo yoo hin amannee sirumaa cubbuu keessanin ni dutu.**

*Isaanis, ati enyu? Jedhani isa gaaffatan, ani isa ani isa dursee isiniitti dubbadhe dha isaaniin jedhe. Yommu ilma namaa, ol futani fanniftan, yeroo sana ani eennuu akka ta'ee ni beektuu, ofi koo tiin waan tokko illee hin hojjadhuu, waan abbaa kiyya irraa baradhee hojjadha male. Yeroo sana dhugaa ni beektuu dhugaanisisin ni walbeessa.*

*Isaanis, nuti sanyi abrhaami dha takkaa ennuuflee gaeboomne hin beeku. Ati maaliif ni walboomttu jetta ree? Yesusis  akkana jedhe, annuu illee kan cubbuu daladuu,bitama cubbuuti.Garbii maati keessa iddoo dhaabataa hin qabuu, ilmi garuu iddoo barabaraa ni qaba.Eegaa ilmii yoo isin walaboomsee, dhugumaan ni walboomtu.Isiin sanyii Abrhaam akka taatan nan beeka,dubbii kiyyaaf iddoo waan hin keenineef na ajeesuuf na barbaaddu.Ani waan abbaa koo biraa dhagahee isinitti hima,isinis waan abbaa keessan irraa dhageetan ni dalagdan.Isaanis Abrhaam abbaa keenya jedhaniin, isin oddoo ilmaan taatani, dalagaa Abrhaam dalagee ni dalagduuturtan isaaniin jedhe. Isin nama dhugaa isinitti himee ajeesudhaaf barbaaddan.Abrhaam kana hin gone.Isin dalagaa abbaa keessan irraa agartan dalagaajirtu.*

*Nuti diiqaalaa dhaa miti, jedhani isa morman. Abbaa dhunffaa keenya ka ta'ee Waaqayyo dha.Odoo Waaqayyo abbaa keessan ta'ee ana ni jaallatan turatan.Ani Waaqa biraa nan dhufee amma immoo asan ni jira.Feedhii kiyyaan hin dhufnee, karaa isa na eergeen male.Dhubbiin koo maaliif isiniif galuu didee?.... waan isaan barbaadan dhaga'uuf feedhaniif ture. Isin feedhii abbaa keesani dalaguuf barbaaddan, inni jalaqabaa kaasee ajjeesaa dha. Abbaan keessan, jechuunis seexanni dhugaa hin qabuu, dhubatees hin beeku, eegaa cubbuu dhaan isin keessa namni ana himatu jira? Yeroo ani dhugaa dubbadhuu maaliif ana amanuu ddani ree? Namni Waaqa irraa ta'ee isa Waaqa irraa dhufee ni  kabaja.Ammas waan ana dhaga'uuf diddan waan waaqa irraa hin taaneef.Lakka 48.  Yihuudoonnis, nuti seexaanni si qabeera, gosa Samaariyaati, jechuun keenya dhugaa miti ree? Ani Seexanaan hin qabamnee, Ani abbaa koo nan ulfeessa, isin immoo ana salphistan……. Ani dhuaa dhugaa isiniin jedha, namni dubbii koo dhaga'ee gonkumaa dhu'a hin argu.*

*Ammallee irra deebi'ani ati seexanaan qabamteerta, Abrhaam du'eera raajoonnis du'ani ru, ati immoo namni dubbii koo dhaga'uu du'a hin arguu akkamiin jatta ree? Ati dhugumaan Abrhaamiin caaltaa?  Innis dhu'ee raajoonnis dhu'an; ati ufii keetiin ennuu jettaa? Ani ofii kiyyaan yoo kabajee, gati hin qabu, isin abbaa keenya inni jettan, inni na kabaja. Isin isa hin beektan, ani garuu isa nana beeka.Odoo ani akka keessan hin beeku jedhee, sobaa nan ta'a, ani isa nan beeka, dubbii isaas nan raawwadha. Abrhaam, guyyaa koo arguudhaaf ni haawwa ture, argees ni gamade. Isaanis, ati umriin kee 50 hin gunnee attamitti abrhaamiin argee jetta?*

*Dhugaa isiniin jedha, Abrhaamiin dura ani dhaladheera isaaniin jedhe. Isa rukutudhaaf dhagaa ni kaasan inni garuu isaan gala bahee mana qulqulluummaa keessaa ba'e.*

*Yoh 9:1 yeroo Yesus adeemaa jiroo dhaloota isaa kaasee nama jaamaa ta'ee arge, baratoonni isaa, barsisaa, namni kun jaamaa ta'ee akka dhalatu isamoo maati isaatu cubbuu dalagee? Isas, maati isaas miti, kun kan ta'ee hojiin Waaqayyoo jireenya isaatti akka muldhatuuf dhamale; odoo yeroon jiroo hojii isa eergamnee hojjachuu qabna. Haalkan, innuu illee ittiin hin hojjannee nidhufa. Yeroon biyya lafaa jiruu ani ifa biyya lafaati.*

*Kana jedhe, biyyo irra tufe, bukeesse ija isaa irra kaa'ee, gara laga Salihoomi dhaqii ti dhiqadhu jedheeti, innis fayyee deebi'e. Firooni fi olloonni isaa, maalalfatani, namni kun, isa taa'ee kadhatu miti ree? Jedhan wal gaaffatan. Rarrii isaan isadha, garri isaani immoo isa fakaata malee isa miti jedhan. Innis isaanitti siqee ani isadha jedhe. Isaanis attamitti fayyuu dandeettee? Eenyu tu si fayise? jedhani isa gaaffatan. Innis namichi Yesus jedhamu dhoqee ija koo keessa kaa'ee, gara Laga selihoom dhaqii dhiqadhu naan jedhe. Anis deeme dhiiqdhee fayyees. Kunoo anis ni fayyee. Isaanis inni eessa jiraa jedhani isa gaaffatan; innis ani hin beeku jedhe. Nama kanas gara warra Faarisoota isa fidan, guyichi yesus dhoqeedhaan nama kana fayisee guyyaa sanbataa ture; Farisoonnis, nama fayyee kana akkamiin akka fayyee gaaffatan. Innis yesus akkamiin akka isa fayisee isaanitti hime, Farisoota keessaa tokko tokko immoo yesusiin, sanbata waan hin egneef Waaqarraa miti, jedhaniin, warri kaan immoo, namni cubbamaan waan akkanaa akkamiin hojjachu ni danda'a.Kana irratti saan iddoo lamatti ni hiraman. Booda irrattis gara nama jaamaa turee sana deebi'ani, waa'ee nama kanaa maal jettaa? Jedhaniin, innis Raajii dha isaaniin jedhe.*

*Hamma gara maati isaa eergani qulleessanitti, warri farisoonni fayyu nama kanaa hin amannee turan. Maatiin isaas warra farisootaaf, mucaan kun mucaa keenyaa, jaamaa ta'ee dhalchuun isaa dhugaa dha, garuu akkamiin akka fayyee nuti hin beeknu. Isa gaafadha inni amma nama jabaa yookiin ama gutu dha, waa'ee ufii isaa dubbachu ni danda'a. Maatiin isaa kan waan jedhaniif, warra yihudootaa waan sodaataniif ture. Ka'umsi dubbii kanaa, yihuudoonni, nama yesusitti amanee akka mana sagadaa keessa ari'an waan murteessaniif ture.*

*Yeroo lammaffaatiif gara namicha jaamaa turee deebi'ani ulfiinna Waaqayyoof keenni, nuti ni beeknaati namni kun cubbamaa dha jedhan, Ani cubbamaa ta'uu isaa hin beeku, ani waan tokko nan beeka, garuu ani cubbamaa ta'uu koo fi amma arguu koo qofaa nan beeka. Ani dursee isinitti himee ture, isin dhag'uu hin barbaaddan, amma iyyuu dhaga'uu barbaaddani ree? Isin illee duka butu isaa ta'uuf ni barbaadduu? Ariidhaan itti ka'ani, duka butuun isa si'I dha malee nuti miti, nuti duka battoota Museeti jedhaniin.Waan tokko nuti ni beekna, Waaqayyo Museetti akka dubbatee, nama kana garuu ennuu akka ta'ee eesaas akka dhufee hin beeknu, jedhan.*

*Innis kun waan nama dinqsisuu dha, namnii kun eessaa akka dhufee, ija koos akka bane hin beektani? Isaanis, nuti waan tokko ni beekna Waaqayyo nama cubbamaa hin dhaga'u.Waaqayyoo namootaqulqulloota ni kanneen feedhii isaa raawwatan ni dhaga'a. Nama jaamaa akka dubatu, kan godhee takkaa argee hin beeku. Namni kun Waaqa irraaodoo hin taane ture, waan kana dalaguu hin danda'u ture. Atis nama wayii hin baafnee cubbuudhaan dhalatte, kana attamiin lalabda jedhani kara alaatti isa dhiban.*

*Yesusis isa akka gara alaatti daraban dhagahee, yommu isa argees, Yesus, ilma namaatti ni amanttaa? Jedhee gaaffateen, Namichi jaamaa turees inni eennuu jedhee, natty him ani illee ittan amana, Yesusis, anis isa dha, atis argiteeni jirtaani jedheeni. Namichis, Goftaa ani nan amana, jedhe, sagadeefis. Yesusis, ani murtiidhaaf biyya lafaa dhufeera, kanaaf jaamaan ni argaa, inni arguu immoo ni jaama…. Inni arguu akka hin arginee inni hin arginee immoo akka arguu dhufe.Murti yookiin firdii Waaqayyo.*

Jaamoota lama, Jaamaa ijaa fi Jaamaa isaa sammuu dha. Macaafni qulqulluun, ilmaan Addaam dhaloota irraa, sammuun isaan jaamaa akka ta'ee, onneen isaani jaamaa akka ta'ee ni dubata. Ija fooni caalaa,kan haamaatu, jaamummaa sammuu ti.Sabnii koo karaa ana na beeku waan dhabeef balleefameera.Hose 4:1,6.

Wantti nama gamachisuu, Waaqayyo dukkana keessa eennuu illee akka baduu hin nbarbaadu.

Luqa 1:79 Warra dukanaa fi gaadisa du'aa keessatti argamanitti mul'achudhaaf,miilla keenyas daanddii nagaa irra geeggeessuu dhaaf jedhe. Ibsaan Waaqa irraa dhufee isaan gaadisa du'aa keessan deemaniif fala dha. Fala waan hundumaa keessaa ittiin ba'an.

Yesus ammas, namootatti dubbatee, “ Ani  ifa biyya lafaati, amni ana duukaa bu’u ifa jireennaa ni qabaata malee dukana keessa hin adeemu. Yoh 8:12

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 75$^{FFAA}$

## GOFTAA ULFINNAA

Maat 16,17

**Maqaa Waaqayyootiin**, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa barbaaduun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a. Haardhas mataduree karaa Haqa jedhu kan itti fufnu ta'a.

Barnoota ilaallee dabrinee keessa, goftaan yesus akkamitti ija jaamaa akka bane agarre turre. Goftaan yesus inni saglee Waaqayyo ta'e foon ufatees muldhatee, hundumaa danda'a dha. Kanaaf ture, Yesus isa humna hundumaa, qilleensa, danbali tasgabbeessu, seexana baasuu, dhibee irraa fi du'aa bolla du'aa keessaa baasu,inni mo'aa dha. Iddoo deeme hundumaa kan isa hubachuu dhaaf danda'an namoota muraasa qofaa dha. Akka jaarii qofaa isa hubataniin malee, akka Waaqa hundumaa danda'utti isa hin hubanne ture. Akka goftaa ulfinnaatti, isa samii iraa dhufee akka ta'e isa hin hubanne turan. Haardha Goftaan yesus ibsaa ulfinna Waaqayyo akka ta'ee ni ilaalla. Kana malees Tulluu irrattis argmuu namoota sadan gidduutti ibsaa ulfinna isaa akka ibsee ni ilaalla.

Luq 9:18 guyyaa tokko lafa kophaa isaa kadhatu lafa barattoonni isaa argamanitti, namoonni ani ennuu akka ta'ee dubbatu jedhe isaan gaaffate. Isaanis, Namoonni tokko tokko Yohaanis Cuuphaa dha ni jedhu, Namoonni tokko tokko immo, Eloyaasi dha jedhu, ammalee isaan kaan immo, jaajoota durii keessaa tokko lammaffaa dhufani jiru ni jedhu.Mat 16:15, Isin ho ennu naan jeettu?, Lakka, 16, pexiroos, ati christoos, masihicha, ilma Waaqayyoo dha jedhe. Goftaan yesus, Simoon ilma yoonaa ati, eebifamaa dha, kun ilma namaatiin siif hin ibsamnee, abbaa isa samii irraatiin male. Gaatti kana yesus kan gaaffatee, yeroo inni kophaa isaa isaan wajjiin ture dha. Namoonni waa'e koo ti maal jedhu? Isin waa'ee koo maal jettu? Barattoonni isaa, raajoota gidduu dha isa tokko dha, ammas yesus, irra deebi'ee isin anaan ennuu jettu? **Phexiroos ati masihi ilama Waaqayyo jiraataa dha jedhe.**

Gaafiin kun nu biras ni ga'a. Yesus ni'iif ennu dha? Yesus dubbii Waaqayyoo isa foon uffatee samii irraa dhufee, ilma Waaqayyo akka ta'e ni amantta?

Atis Goftaa yesus jaatoota wajjiin ramaddaani?

Hamma ammaatti namoonni heeddu, Yesus ilma Waaqayyo akka ta'ee ni ganuu, isaan waaqayyo haadha manaa hin qabuu qabaachus hin danda'u, akkamitti Yesus ilma Waaqayyo ta'u danda'a ? jedhu. Eyyee dhugaa dga, waaqayyoo hadha warraa hin qbu, garuu Waaqayyo hundumaa danda'aa dha. Waadha warraan ula waan hundumaa danda'a, umuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, ilma oromo, ilma Amaara, ilma, Biraazilii yeroo jennuu, biyyoon kunneen, hadha warraa irraa hin umannee, namoonni lammii biyya sanaa garuu, ilma oromo, sidaamaa ni jedhu.

Dubbiin kun waa'ee yesus wajjiin wal fakkaata; inni durba irraa abbaa foonii malee dhalate. Inni odoo hin dhalatiniin dura, samii abbaa isaa wajjiin ture. Inni "Kaalimaatti allaah" fi "Ruhi Allaah" dubbii Waaqayyoo fi lubbuu Waaqayyo dha.

Waaqayyo yommu ilma isaa biyya lafaatti eergu, cubbuu irraa nu olchuuf qofaa oto hin taanee, waaqni waal akka fakkaatus nuti of ibsuuf tures. Goftaan yesus amalli Waaqayyo biyya lafaa keessatti maal akka fakkaatus, jechunis, jaalalli, isaa hammam addaa fi baldhaa akka ta'ee ibsuuf ture. Abbaa dhugaa akka ta'e karaa goftaa yesusitiin tutti agarsise.

Maat 16:21 Goftaan Yesus Yerusalemitti adeeme, haarka, jaarsoolitti, haarka warra farisootaatti fi barsisoota seeraatti, rakkachudhaan, du'ee guyyaa sadaffaatti akka du'aa ka'ee isaanitti ibse. Lakka 22. Pexiroos immoo kopkaa isaa fudheeti, yesusitti dheekamu dhaan, kun sif hin ta'u jedhan.Lakk.23 Yesus gara isaatti gala galee, Pexiroosin, **sexanan, narraa deebi'i ati dhakaa gufachisee nama jigsuu natti taate, ati yaada namaa malee, feedhi Waaqayyo hin beektu.**

Wanta yesus jedhe dubbatee me haa yaadannu; gara yerusaalem dhaqee rakkadhe, du'u qaba. Yesus dhiga isaa lolaase gati cubbuu keenyaa baasuu qaba jechuu dha.

Dubbiin yesus dubbatee, odoo aboo hundumaa qabaataa ta'e jiruu, **haarka jal'otaatti akka dhu'aa of keennu pexiroosiif hin liqimfamne.**

**Yesus immoo maaliif akka dhalatee maaliif akka dhufee in beeka ture. Akka raajoonni, waaqayyo dursani raaganitti, ilmaan addaamiif akka aarsaa ta'u ni beeka ture.**

Maat 17:1 guyyaa 6 booddee Ysus Peexiroosi Yooqoobii fi Yohaanis Obooleessa Yaaqoobi fudhee, gara gaaraatti, achittis odoo isaan isa argani ni jijiirame.Fuhhi isaas akka aduu ife,wayyaan isaas, akka ibsaa addaate.

Luke 9:30 Namoonni lamaan,Musee fi Eliyaas ulfinnaan muldhatani Yesus wajjiin haasa'an.Isaanis, waa'ee gara yerusaalemitti adeemu isaa dubbatuu, Pexiroos Yesusiin akkana jedhe, Yaa gooftaa koo nuf as jiraachuu ba'eessa, da'oo tokko si'iif, da'oo tokko Museef tokko immoo Eliyaasiif nan ijaara.Otoo inni haasa'aa jiruu, dumeessi Waaqa irraa dhufee isaan haagugee, sagaleen Waaqa irraa " kun ilma koo isa ani jaalladhuu, isa ani itti gammadhu dha jedhe.

Yommusagalee sana dhaga'anitti adda isaanitiin gad gombifamani sodaatanis . Yesusis dhufe isaniinis tuqe, ol ka'aa hin sodaatinaa isaaniin jedhe. Yoo ol ka'anis, Yesus malee eennuu illee achi hin turre. Gaara sana irraa yeroo gad bu'aa jirani,ilmi namaa haangga du'ee du'aa ka'utti waan kana eennuuf illee akka hin himneef isaaniin akkeekachise.

*Gooftaan keenya yesus kristoos humni isaa deebi'ee dhufuun isaas isin biratti akka beekamu yommuu goone nuyi surra guddinna isaa ija keenyaan arginee beeksifnee malee mammaaksa ogummaadhaan yaadaem duukaa unee miti.Inni Waaqayyo niraa ulfinnaatii fi guddinna yommu fudhate, sagaleen kun ilma koo isa ani jaalladhu isa gammachuun koo itti raawwatamuudha, isa guddicha surra qabeessa biraa dhufeera.Lakka 18 Nuti warri gaaraa qullaa'aa gubbaatti isaa wajjiin turre immoo sagalee Waaqa irraa isaaf dhufee jiruu kana dhageenyeera. 2phex 1:16-18.*

*Nuti ulfinna isaa agarreera, 1yoh 1-2, yoh 1:14.*

*Namni haafura waaqayyoon malee,isa haafura Waaqayyo irraa dhufee hubachuu hin danda'u, kunis gowwuummaa waan isaaniif fakkaatuuf.* (2 qor. 2:14,6-8)

## KUTAA TOKKOOFFAA BARUMSA 76 FFAA

## TIKSEE GAARII

## YOHAANIS 10

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa barbaaduun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a. Haardhas mataduree karaa Haqa jedhu kan itti fufnu ta'a.

Barnoota dabree keessa gofraan yesus baratoota isaa, inni akka du'ee du'aa guyyaa sadaffaatti akka ka'uu baratoota isaatiin akeekachisee ture. Gofraan yesus sababi cubbutiif aarsaa ta'ee akka du'uu ni beeka ture. Akkasumas tulluu irratti goftaan yesus baratoota isaatiif ulfinna isaa akka ibsee agarree turre. Fulli goftaa yesus akka aduus ni ifa ture, wayyaan isaa immoo akka  wayyaa adii qulqulluu ni ifa ture. Kana jechuun ufinni waaqummaa isa keessa jiru haala kanaan muldhatee jechu dha.

Haardha immoo kan itti fufnee ilaallu, baratoonni isaa wangeela gammachuudhaan akka dhaggeeffatan hordoofani ni ilaalla. Egaa Waqayyo ilmaan Abrhaam, akka hoolaa tiksee hinqabneetti hin badnee akka hin barbaanneetti ni ilaalla. Kanaaf ture tiksicha jabaa ergudhaan dinoota keenya kan ta'ee sexana, cubbuu, du'aa fi si'ooli i irraa kan nu baraare. Amen. Tiksicha kana ni beektaa laata? Ennuu inni laata? Isa ilmaan Adaami fayisuuf isa ergame. Yoo hin beeknee taanaan, haardha fayisaa kana karaa dubbii isaa si barsisna.

Guyyaa tokkoo goftaan yesus namoota isa naana'ani turanitti akkana jedhe: Yoh 10:1 dhugaa isinitti hima, namni karaa karra hoolootaatiin hin seennaa, garuu karaa hin taaneen seenu, haattuu fi saamtuu dha. Inni karaa karra hoolootaatiin seenu tiksicha hoolootaati. Goftaan yesus fakkeenyaan haadubbatu malee isaan garuu waan inni dubbatee, hin hubannee turan. Yesus immoo akkana isaaniin jedhe, dhugaa isiniin jedhe, balballii hoolootaa ana, karaa kootiin ennuu illee yoo seene ni fayyya. Ni galas ni ba'aas, iddoo booqonnaas ni argata.

Yoh 10:10 haatuun haannaa fi ajjeechaadhaaf dhufa; ani isaan jireeny akka argatanii fi akka badhaadhanii dhufe. Tiksichii dhugaan, lubbuu isaa hooloota isaatiif dabarsee ni keenna. Tikseen mindeeffamee garu hooloonni kan isaa waan hin taaneef, yeeyiin wayita dhufu argee, hooloota

dhisee ni baqata. Yeyiinis, hooloota ni madeessaa isaanis ni fafaca'u. Namich isaan dhisee baqatu sun hooloon kan isaa waan hin taaneef ta'a jechu dha. Ani tiksee gaaridha, tikseen gaari immoo, hooloota isaa adda baafatee ni beeka isaanis isa ni beeku. Kuni akka Waaqayyoo abbaan ana beekuu fi anis isa akkan beekuuti. Lubbuu koo deebisee fudhachuudhaaf dabarsee waanan keenuuf, abbaan koo na jaallata. Ennuu illee ana irraa lubbuu koo fudhachuu hin danda'u. Garuu jaalala kiyyaan dabarsee nan keenna. Dabarsee keennuudhaafi deebisee fudhachuudhaaf aboo nan qaba. Aboo kanas abbaa koo irraa nan argadhe.

Dubbii isaa kana irratti yihuudoonni iddoo lamatti ni hiraman. Isaan keessaa baayyeen, namni kun maraatee jiraa seexanaanis qabamee jiraa, maaliif isaa dhaggeeffatani ni jedhu. Gama tokkoon immoo, baayyeen dubbiin inni dubbatuu dubbii nana seexanaan qabatamee miti, seexannii ija nama jaamee banuuf ni danda'a?

Lakka 24, Yihuudoonni isaa naana'an haamma yoomitti nu shakisista, ati kiristoos yoo taate, ifatti nutti him; Yesus, isiniitti hiee ture isiin garuu dhaga'uuf hin barbaanne. Baasni maqaa abbaaakootiin hojjadhuu, waa'ee kiyya ni dubbatu, isin hooloota kiyya maqaa hin taaneef anatti hin amantan. Hooloon koo qoqa kiyya ni dhaga'uu, nabeekani, na hoordoofanis.Anis jireenya bara baraa isaaniif nan keenna; isaanis bara baraan hin badan. Ennuu illee haarka koo keessaa isaan hin baasuu. Anaa fi abbaan koo tokkoo dha. Lakka 31 Yihuudoonni isa rukuutuu dhaaf dhakaa ni kaasan. Yesus akkana isaaniin jedhe, baasawwan dalagee, isiniif agarsisee keessaa isa kamiif na rukuuttan? Isaan keessaa isa kamiifuu si hin rukuunnuu, garuu, waan Waqayyoo arbsiteef si rukuumma jedhani isaaf deebisan. Ati odoo nama dhugaa taatee jirtuu ufi keetiin Waaqa waan goteef si rukutna malee jedhaniin.

Yesus akkana jedhee isaaniif deebisee, seera keessan keessa, ani isiniin isiin waaqa hin jenne? Jedhamee, yoo isaan dubbiin waaqayyoo isaaniif dhufee Waaqa jedhe, akeekni Waaqayyo hin jijiiramuu abdiin Waaqayyoos hin cabuu. Waa'ee isa dhugaa Waaqayyoo ta'ee gara biyya lafaa eergee maala jettuu? Yaa waan Waaqayyoo dalaguun ala yoon dalagee anatti hin amaniinaa. Yoo ana amanuu diddan immoo, dinqii isa maqaa abbaatiin dalagee, Kan isa ani keessa jiruu, innis nakeessa jirutti ni amanaa. Amm iyyuu aridhaan isa qabuu dhaaf hixatan inni garuu isaan jalaa miliqee.

Yaada keenya wantoota lamaan irra xiyyeeffanna: isaanis maqaalee lamaaan goftaa yesus agarsisani dha; 1. Karra hooloota, 2. Inni lammaffaa immoo tiksee gaarii, isaan jedhani dha.

1. Goftaan yesus Ilmaan addaam hooloota wajjiin erga fakkeesse, booda, Sana isa naanneesseen, ani balbala hoolootaati jedhe; karaa anaatiin ennuu illee yoo seene ni fayya. Yesus maal barsisuuf jedhe akkana jedhe? Tiksoonni Israa'e dallaa erga ijaaran boodde kaarra qoreedhaan ijaarani balbala irra akka hoboolaan yookiin jedalli akka hin seenneef ni cisuu, hooloota, hoboolaa irraa olchuu dhaaf jechuu dha. Haala kanaan tikseen Israa'el karra hoolotaa ni ta'a waanuma isaan beekan irraa isaan barsisa jechuudha.

HO.E 4: 12, Fayyinnis Yesus Kiristosiin duwwadhaan malee kan biraatiin tokko illee hin jiru; maqaa kan biraa ittiin fayyuun kan nuuf ta'u Waaqa jalaa ilmaan namaatiif hin keenamnee jedhe. Dhugaa rabbi ti.

*Senaa Nohii fi loolaa barsaa mudatee yaadatta? Yeroo sana Waaqayyoo Noohiin balbala meeqa akka qopheessuu ajajeeni? Loolaa sana keessaa oluu dhaaf balbalaa tokko isa qophaa'een qofaan duwwaa dha.yoh10:9.*

*2. Maqaan lammaffaa isa kan yesus ufii isaa ibseen, tiksee gaarii isa jedhuu dha: kunis nun olchuu dhaaf ufii isaa aarsaa waan godheef ture. Faar 23.*

*Faarfataan Mootiin Daawi, waa'ee isaa faarfatee yesus ture,*

*Waaqayyoo goftaan keeyya Waaqa tokko Deebi 4:6.*

*Waaqummaan karaa goftaa yesus qaamaan gutumatti muldhateera. Ibroot 12:29, 2 Ximoot 6:6,Yoh 1:18, Ibroot 1;3, qol 1:19,2:9. Gutummaan waaqummaa akka muldhatuuf goftaan yesus foon ufate.*

*Hoolonnii kiyya qoqa koo ni dhaggeeffatu, ani isaan nan beeka, isaanis na hoordoofu, anis jireenya bara baraa isaaniif nan keenna, isaanis gonkumaa hin badan, ennuu illee haarka koo keessaa isaaniin hin baasu. Yoh 10:27-28. Haarka Waaqayyoo keessa jiraachuu, haarka Waaqayyo keessa rakkachuun carraa dha. Kottaa hin salfattan. Amen.*

## KUTAA SADAFFAA BARNOOTA 77 FFAA

## ONNEE WAAQAYYO

### Luqaas 18, 15

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a. Haardhas mataduree karaa Haqa jedhu kan itti fufnu ta'a.

Barnoota keenya isa raajoota irra ciyyeefatee jiru kana hundumaa keessa, Waaqayyoo qulqulluu akka ta'ee fi cubbuu argee akka hin obsinee agarree jira. Haa ta'u malee inni immoo gara biraatiin abbaa aaraaraa ti fi Waaqa jaalalaati. Hundii keenya yakkamtoota waan taaneef Kuni ilma namaatiif oduu gamachuu dha. Odoo Waaqayyo cubbuu keenya lakaa'ee hundii keenya ilmaan badii turre jechuudha.It fufnee fakkiilee lamaan kan armaan gadii ibsaman haa ilaallu.

1.Fakeenyii ilaallus, waa'ee namoota lamaan, inni tokko, kan aaraara Waaqayyoo argatee yoommuu ta'uu inni lammaffaan immoo, aaraara Waaqayyoo kan hin argannee ture. Inni aaraara hin argannee amantaa yihudootaa kan adeemsisuu yommu ta'u, kadhannaa adaa dhaan, adaa dhaan,  nama dadhabu ture. Ilaalcha namaatiin namni sun nama amantaa dha jechu ni dandeenya.

2. Namichi lammaffaan immoo, nama qaraxa walitti qabuu ture; namni  kun immoo ilaalcha namaatti, yakkamaa dha. Seenaa Faarisootaa keessa, namooni qaraxa mootummaa walitti qaban, akka yakkamtootaatti ni fudhatamu turan.

Luqa 18:9  Yesus warra ofii qajeelummaatti jiraanna jedhanii  amanatanitti, fakkeenya kana dubbatee Jarreen lama kadhachuudhaaf  mana qulqqullummaatt ol galan; isaan fariisicha tokko fi namicha qaraxa  fudhu tokko turan. Lakk.11  Fariisichii fula dura dhaabbatee, garaa isaa keessatti, yaa waaqayyoo akka namoota warra kaanii, warra saamtuu, jal'ota, ejjitoota yookiis akka qaraxxuu  kanaa iyyuu waanan hin ta'iniif  sin galateeffadha. Torbaan keessa guyyaa lama nan sooma, waanan argadhuu hundumaa keessaas tokko nan baasaa jedhe kadhate. Innii qaraxa fudhu sun garuu; achi fagaatee dhaabatee, ija isaan illee  gara Waaqaatti, ol hin ilaalle; qama isaa rukutachaa, ' yaa Waaqayyoo ana  nama cubamaatti  araaramii! ni  jedhee malee. Ani dhugaa

isinittan himaa, namicha isa uf qabee sun fula dura Waaqayyotti qulqullaa’ee gara mana isaatti deebi’e.

Ani dhugaa isinitti hima ennuu illee yoo of tulee,  ni saalphata, ennuu illee yoo of gadi qabee immoo fula dura Waaqayyotti ni ulfeeffama.

Goftaan Yesus fakkeenya kanaan maal nuf barsisuuf barbaadee laata? Waaqayyo namoota of gad qaban akka jaallatuu fi, isaan immoo akka qulqullootaati of ilaalan akka salphisuu nubarsisa.

Akkasuma isin warri gara ijoollees, maan guddootaaf  aboomamaa! Hundumtti keessanis gad of deebisuu  akkuma ufataatti uffadhaati walii keessani wajjiin  jiraadhaa! Caaffanni qulqullaa’oon, “ Waaqayyo warra kooraan ol of qabaniin ni mormaa, warra of gad deebisaniif  immoo ayyaana ni keenna.” ni jedhe. 1phex 5:5.  Waaqayyo namoota ani akkana dalagee, jedha guddisanitti hin gamaduu.

Qaayiin, mee haa yaadannu, namni kun dalagaa isaatiin fula dura waaqayyootti dhi’achuudhaaf barbaadee Waaqayyo garuu itti hin gammadnee. Waaqayyoo namaarii yeroo jenuun ni gamada. Akka namicha qaraxa baasuu sana jechuudha.

Namichi qaraxa baasuu sun guyyaa firdii Waaqayyo, cubbuu isaa namoota gara biro wajjiin akka madaalutti fudhate, akka cubbuu isaa namoota gara biro wajjiin wal ilaalcisutti fudhate. Kanaaf ani namoota gara biro irraa nan caala jechuudhaan of tuluu jala qabe. Kadhannaan keenya maal fakaata.

Namni tokko seera keessaa warra kaan hundumaa eegee tokko yoo cabsee, akka waan hundumaa isaani cabseetti yakkii itti murama. Yaab 2:10.

Waaqayyo hin ejin jedhe, hin ajeesin jedheera, akkasumas hin sobiin jedha.

Macaafa hoolichaaa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti warra argaman duwwaa malee wanti xuraa’an  tokko illee,warra wanta ciggaasisaa yookis wanta sobaa hojjatan, tokko illee achitti hin galan. Muldh 21:27.

2. Fakkeenya goftaan yesus ibsee isa lammaffaa yeroo ilaalluu, garaan Waaqayyo aaraara qabeessaa fi jaalalaan kan guttamee dha. Fakeeny kunis kan fakeenya abbaa ilma isaa jaallatuun fakkeeffameera:

Luqa 15:1, warri qaraxa fudhanii fi warri akka seeraatti yakkamtoota ta'an Yesusiin dhaga'u dhaaf naan'ani turan. Garuu warri farisoonni barsisoonni seeraa immoo warra cubamoota wajjiin nyaata jedhani ni gumguman' kana irraan kan ka'ee goftaan yesus fakeenya kanatti fufee jiruu isaanitti hime:

Luq 15:11,Namichi tokko ilmaan lama ni qaba ture, inni maan'aan abbaa isaatti akkana jedhe, qabeenya kee irraa qoda kiyya naaf keenni jedheen, kanaaf abbaan qabeenya isaa isaan lamaaniif ni hiree, ilmii maan'aan biyya fagoo adeeme, yeroo gabaabaa keessatti qoda abbaa isaa irraa argatee hundumaa haalalummaa dhaan ni balleesse. Waan haarkaa qabuu hundumaa erga fixate booddee, biyyattii keessa jiraatutti beelli ni mudatee, innis baa'ee rakatee, innis achi ba'ee booyyee tikaaf mindeeffame, namichisi gara qonna isa ergeeni. Ilmi maan'aan sunis, haammeenna beelaa irraa kan ka'ee nyaata booyyee ni haawwee garuu ennuu illee isaaf hin keenine.

Gara sammuu isaa waiyta deebi'uu akkana jedh, hojjattoon abbaa kiyyaaf hojan, bideenni irraa ni haafa ani asitti hamma du'utti nan beela'a jedhe. Amma ani gara isaa deemee, akkana jedhaan, yaa abbaa koo, ani siif samii irratti yakkeera, si achii, ilma kee ta'uun anaaf hin ta'u. Hojjattoota kee keessaa akka isa tokkoo na lakaa'iti na mindeesi ni jedhaan. Ba'ees gara abbaa isaa ni deeme, abaan isaas fagootti isa argeeni mararfateen, gara isaas figee isa hammatee dhungateen. Mucaanis akkuma yaadee sana, ilma kee jedhamee waammamuun anaaf hin ta'u jedhe abbaa isaatti dubbate; abaanis, hojjattoota isaatiin dafaati, wayaa bareedaa haarka isaatiif, qube milla isaatiif immoo kophee fidaa, korpheessa qanani fidaa ti qalaa, Cidhas haagodhannu.Ilmi koo du'ee ture, amma garuu lubbuu dhaan jira, bade ture, amma aargameera, isaanis faarfachu jala qaban.

Luq 15:25 yeroo sana ilmi angafaa lafa qonnaatti ture. Akkuma gara qachaatti kalaa'een, sagalee shubisa dhaga'e. Innis hojjattoota abbaa isaa keessaa tokko waame, wanta ta'aa jiruu baruudhaaf jedhee gaaffateen. Obooleessi kee inni bade ture, ni argamee, goftichis, gamadee korpheessa qanani qalee kunoo namoonni galateeffachaa jiruu jedheen. Obooleessi haangafaas ni aree ol galuufis hin barbaanne, abbaan isaas gad ba'ee baayyee wageen. Ilmi haangafaas, akkana jedhe deebiseef, ani bara dheraa dhaaf akka garbaatti yommu sif hojjadhe, hiriyyoota koo wajjiin akkan gammadu, ilmoo hoolaa tokko illee naaf hin keenine, garuu ilmi kee halaleen kun qabeenya haalalummaa dhaan balleessa yeroo deebi'uu cidha gotee simatteen, jedhe. Abbaanis,

yaa ilma koo, ati yeroo hundumaa ana wajjiin jirta, wanti  kiyya ta'ee hundii kan keeti. Amma garuu gamaduu qabna, obooleessi kee kun du'ee ture, amma garuu lubbuu dhaan jira, bade ture, amma garuu  argameera jedheen.

Seenaa kana keessa namoota sadan ni argina:

Abbaan  Waaqa bakka bu'a.

Ilmii maan'aan, cubbamoota qalbi geedaratan bakka bu'a.

Ilmii haangafaa immoo warra seera amanttaa cimsatan, garuu warra Waaqa hin beeknee bakka bu'a, fuladura Waaqayyootti qulqulloota of fakkeessan jechu dha.

Ilmii maan'aan uumama moofaa agarisa, jireenya moo'amuu keessa jiraatu dha. Cubbuun isaa Gara tika booyyee geeggeesseen.

Abbaan immoo abbaa jaalalaa fakkeenyaa Waaqa jaalalaa yeroo hundumaa ulaagaa tokk malee yakkamtoota isa simatuu dha.

Ilmi haangafaa immoo, garaa jaalalaa hin qabu, qajeelubbaa isaa lakaa'uu nama jaallatuu dha. Roome 8:15 haafura ijoollummaa argatani jirtu.

Waaqayyoo  garuu amma iyyuu tola isaa isiniif agarsisuudhaaf  isin eegaa jira.; siniif oo'u dhaafis  ka'eera; Waqayyoo gooftaan , Waaqayyoo isa firdiin  isaa qajeelaa waan ta'eef warra isa eegatan haa gamadan! Isaa 30:18.

Waaqayyoo warra kooraan ol of qabaniin ni morma, warra of gad deebisaniif immoo ayyaana ni keenna ni jedha.

(1 Phex. 5:5)

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 78 FFAA

## DU'AA KA'UU FI JIREENNA

YOH 11,12

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a. Haardhas mataduree karaa Haqa jedhu kan itti fufnu ta'a.

Qo'annaa wangeelaa raawwannee keessa, goftaan yesus maqalee heeddu akka qabuu agarree turre. Maqaaleen sunneenis goftaan yesus eennuu akka ta'ee akka beeknu nugargaarani jiru.GOftaan yesus sagalee yookiin dubbii Waaqayyoo akka ta'ee, jalaqabaa kaasee Waaqayyoo wajjiin akka ture, ilma Waaqa hundumaa oli , hoolaa Waaqayyo,,fayisaa, bideena jireenya namaaf keennu, ibsaa biyya lafaa, doftaa ulfinna, karra hoolootaa, tiksee ba'eessa jedhamee beekama.

Haardha immoo maqaalee lamaan daballee ni ilaalla. "Du'aa ka'uu" fi "jireenna."

Goftaan yesus lafa yihudaa keessa barsisaa, dalagaa ba'eessa dalagudhaan, dhibamaa fayisuu dhaan, laamsha'aa fayisuudhaan, akkasumas jaamaa fi isaan seexanaan qabanan walaboomsuu dhaan naana'aa ture.

Barsisoonni seera garuu dalagaa inni hojjachaa naana'aa tureetti hin gammannee turan.

Haardha baasaa addaa inni dalagee itti fufnee ni ilaalla. Yoh 11:1  namich Alaazaarii jedhamuuto kko dhibamee ture. Innis nama biyya Bitaaniiyaa magaalaa Maartaa fi Maariyaam jiraatani ture. Maariyaam, isheen obooleetiin Alaazaarii, Maariyaam ishee orgooftuu gati mi'aa dhaan mitamee milla goftaa irra dhangalaaftee rifeensa mataa isheetiin ibsitee turte dha. Obooleetoonni sunis gara goftaa yesus dhaamsa eergani turan. " Goftaa inni ati jaallattuu dhukubsateeraa jedhani" eergan. Yommu kana dhaga'u goftaan yesus, dhibeen kun dhu'aaf kan gessou miti jedhe. Innis ilmi Waaqayyoo kanaan akka ulfaatuuf, ulfinna Waaqayyootiifi jedhe.

Goftaan yesus, Maartaa, Maariyaami fi obooleessa isaami baayyee ni jaallata ture. Garuu, dhukubsachuu Alaazaarii eerga dhaga'ee booddee lafa jiruutti guyyaa lama ture. Goftaan yesus Alaazaariin akka du'uu ni beeka, garru ulfinna Waaqayyo tiin itti gargaaramuuf barbaade male. Kanaanis inni Waaqa irraa akka dhufee namoonni ni beeku.

Yoh  11:7  guyyaa lamaan eerga turee boodde, baratoota isaatiin ka'aa gara Yihudaatti ni deemna jedhe. Isaanis, asiin dura, Yihuudoonni, dhakaa dhaan si rukutuuf turan, amma immoo deebitee,

achhi haa deemnu jetta? Jedhaniin. Yesus deebisee, guyyaa tokko keessa ifnii sa'aa 12 miti ree? Obooleessi keeny Alaazaariin rafeeraa ti, deeme hiribaa isa nan kaasa jedhe. Baratoonnis, barisaa yoo rafee jiruu taanaan ni wayataa jedhaniin. Goftaan yesus, du'uu Alaazaarii dubatee, isaan garuu, hiriba baratamee akka rafeeti fudhatan. Innis ifatti isaaniif, Alaazaar du'eeraa, maqaa keesaniif achi waan hin turreef nan gamada,obooleessi keessan du'aa ni kaafama.

Maartaanis guyyaa dhumaatti akka du'aa ka'uu nan amanaa jette. Yoh 11:24.

Yesus, garuu du'aa ka'uun jireennis ana, amni anatti amanu yoo du'e iyyuu ni jiraata. Yoh 11:25. Kanatti ni amantaa? Jedhe yesus. Isheenis eeyyee goftaa nan amana, ati kiristoos ilma Waaqaa akka taatee nan amana.

Kana erga dubbattee booddee, deemtee obooleetti ishee Maayiyaam ni Waamtee,goftaan si barbaada… Maariyaam yommuu kana dhageettutti daftee gara goftaa adeemte. Lafa yesus jirutti akkumee geteetti, jilbinffatte akkana jettee, oto ati nu bira jiraatee sila obooleessi keenya hin du'uu ture, jette. Isheeni fi Yihudoonni ishee wajjiin turan, yeroo imimaam baasan argeetti, baayyee gaddee raafamees. Innis eessa boqoochistaniin jedh, isaanis, kunoo asidha jedhani deebisaniif. Yesusis ni boo'e, Yihudoonni, kana yeroo arganitti, ilaa akkamitti akka isa jaallattu argaa waliin jedhan.

Isaan keessaa tokko tokko immo inni ija jaamaa bane, nama kana du'aa hin kaasuu? Jedhani wal gaaffatan. Yesus masse deebi'ee ni raafame, gara lafa awwaalaatti, ni deebi'ee; iddoon awwaalaas goda keessa ta'ee dhakaa guddaa dhaan cuqaalamee ture. Yesusis dhakaa sana kaasaa, jedhe, Maartssn obooleetiin Alaazaari, goftaa inni erga du'ee bulti afur waan tureef fooliin isaa ni ajaa'a jeteen. Yoo amntee olfinna Waaqa ni ilaalta jedhee ani sitti inhimne? jedheen.

Isaanis dhakaa guddaa balba awwaalaa ittiin cufamee ni kaasan, goftaanis gara Waaqaa ol ilaalee, Yaa abba yeoo hundumaa waan nadhaggeeffatuuf si galateeffadha, kana waanan jedheef namoonni as jirani akka beekaniif dha jedhe. Akkana jedhees qoqa guddaa dhaan Alaazaar as ol ba'i! jedhe ajaje. Namichi du'ees akkuma haarki isaa milli isaa fullu akuma jirbi talbaa irraa hojatameen akuma xaxamee ol ba'e. Wayyaa itiin awwaalamee irraa mulkaati haadeemu jedhe.

Seera uumamaa kaasee hamma yeroo kanaatti, nama reeffa du'ee kaasee agarree hin beeknu jedhe. Humnii du'aa goftaa dhaaf rakkoo miti, inni dubi Waaqayyo, jireenya bara baraati.Inni kophaa isaa Waaqa dha. Inni burqaa jireenya bara baraa waan ta'ee nama barbaadeef jireenya bara baraa ni keenaaf. "du'aa ka'uuni fi jireenyi ana" namni anatti amanee yoo du'ee iyyuu jireenya ni argata.

Yihuudoonni maati Maartaa fi Maariyaam jajjabeessan, isaan baasaa goftaan dalagee argan hundii isatti ni amanan. Isaan haafan immoo gara warra seeraata ta'anitti dhaqu dhaan wanta goftaan dalagee hund ni ibsan. Farisoonni fi angoonni hunddii mana mareetti walga'i ni waaman. Nuti maal dalagaa jirra. Nmni kun baasa hedduu dalagaa jiraa, akkanumaan yoo isa dhisnee mootummaan Roomaa dhufee akkuma jiruun mootummaa keenyaaf saba keenya ni saama jedhani walitti haasa'an.

Yon 11: warra farisootaa keessaa inni tokko kan turee, namichi Qayyaaffaa jedhamuu, luba luboota ture, akkana jedhe dubatees, isin waan tokko  hin beektan, sabni hundumaa du'uu mana namni tokko du'uun isaa  ba'ees ta'uu isaa hin hubatani? Jedhe. Kana ufii isaa irraa hin dubannee,  garuu akka luba lubootaa bara sanaa yesus baka yihuudoota akka du'uu raagaa ture jechuu dha. Yihuudoota qofaaf odoo hin taanee ilmaan namaa hunduumaaf du'ee male. Ilmaan namaa faffaca'an tokko godhuuf du'ee male.

Yeroo ayyaan faasikaa ga'uutti yihuudoon yerusaalemitti sirna qulqulluummaa raawwachudhaaf wal ga'uu; Isaanis Yesusiin cimsani barbaadan, wali wajiin maal isinitti fakaata, yesus ayyaana kanatti ni argama? Wali jedhan.Warri farisootinii fi abootiin taayitaa nama yesusiin argee isa akka jiruu akka iyaafatu ajaja dabarsan. Isaanis immoo isa ni hidhan jechudha.

Yon 12:1 guyyaa 6 dursee, biyya bitaaniyaa lafa Alaazaariin du'aa kaafameetti ni argame. Ulfinna yesusiif immoo sirnii irbaataa ni qophaa'e ture. Alaazaar yoomuu Yesus wajjiin taa'uu Maartaan immoo isaaniin ni tajaajiltti turte. Maariyaam immoo urgooftuu mi'aa  naardos jedhamuu fiduudhaan milla isaa dibuu dhaan rifeensa mataa isheetiinis milla isaa ni sukumti turte. Mannis fooli ba'eessa sanaan ni guttame. Garuu baratoota isaa keessaa tokko kan ture Yihuudaa kan biyya Asqoroti, gocha isheen dalagtee turtee sana ni morme.Urgooftuun kun gurguramee warra hiyyeessaaf maaliif hin keenamu? Jedhe. Gatiin urgooftuu sana, mindaa hojataa tokko kan waggaa tokkotti ni tilmaamama ture. Yihuudaan kana jechuun isaa warra

hiyeesaaf gaddee otoo hin taanee, haattuu waan tureef maleessa. Yesus immoo ishee dhisaa, isheen guyyaa du'a kotiif na qopheessa jirti, warri hiyyeeyyiin yeroo hundumaa isin wajjiin jiran, ana garuu yeroo hundumaa ana hin argattan jedhe.

Yoh 11:9 Namoonni achi dhafan yesusiin qofa arguuf odoo hin taanee ,Alaazaar isa du'aa ka'eess laaluuf ture male. Kana irraa kan ka'ee abootiin taayitaa Alaazaariinis ajeesuuf karoorfatan. Kunis kanta;eef dinqii Alaazaar warri argan hundii goftaatti waan amananif ture.

Kan nama dinqsisuu, baasa inni dalagee isaan keessaa namni ganee hin turre, haata'uu malee, qalbii isaan hin geedarannee turan. Dinqinii fi maasni yesus dalagee isaaniin gara goftaa akka deebi'an godhuuf hin dandeenyee, sababii kanaaniis goftaa hin fudhanne. Abootiin taayitaa caalchisani isa jibbuu itti fufan. Isa ajjeesuudhaafis shira xaxan.

1.Maaliif isa ajeesuudhaaf shira xaxan? Seexanaan waan geeggeeffamaniifi dha.

2. Seexannis Yesus yoo du'ee karoorri Waaqayyo ilmaan addaami olchuudhaaf qopheessee karaatti ni haa faa jedhee yaadee ture.

3. Seexanni immoo yesus humna du'aatiin akka hin qabamneetti hin beekne. Du'aa ka'uun fi jireenyi ana! Namni anatti amanee gonkumaa hin du'u. Yoh 11:25.

Amen.

## KUTAAA SADAFFAA BARUMSA 79 FFAA

## GOFTAAN YESUS MAGAALA YERUSAALEM GALUU ISAA

## LUQAA 18-20

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a. Haardhas mataduree karaa Haqa jedhu kan itti fufnu ta'a.

Barnoota dabree keessa nama boolla awwaala keess bulti afur ture akka goftaan kaasee agarre turre. Inni mataan isaa du'aa ka'uu fi jireenya waan ta'eef, duti isaaf rakkoo hin turre.

Haardha immoo lafa itti ajjeefamuu magaala yerusalem galuu isaa ni ilaalla. Goftaan yesus wantoota isa irra ta'an hundumaa dursee ni beeka ture. Yihuudoon namoota Roomaa isaa dararaniif dabarsani akka isa keenan ni beeka ture. Kanaaf, hubanaan isaa sun akka achi hin deemneetti isa hin itisnee ture.

Yeroon gar Waaqaatti ol ba'uu isaatii dhii'aanaan yesus Yeruusaalem dhaquudhaaf murtoo godhe ka'e.

Luqa 9:51.

Cuuphaan ani cuuphamuun ta'u tokko jira, hamma inni raawwatamuttis ataman dhiphadha laata!

Luqa12:50.

Imala isa gara Yerusaalem raaweatu, attam ciyyeefatee akka ilaaluu ni ilaalla. Kanas warra isa ajeesuudhaaf barbaadaniif haala misaa turee malee jalaa ba'uuf hin barbaanne. Magaalaan si beelleesuuf si barbaadduu ilaaluuf haawitaa? Kun hin ta'u. Garuu goftaan yesus kana godhee ture. Sababiin inni dhalateef aarsaa cubbuu ilmaan namaatiif akka du'uu akka ta'ee ni beeka ture. Innis fedhii isaa biyya lafaa keessa raawwachuudhaaf hin dhalanee, garuu bu'aa ilmaan namaatiif dhalate malee.

Odoo imalaa jirani, baratoota isaa kophaatti waam, wanta ta'uuf jiruu hundumaa isaanitti himee ture.Isaan gara yerusaleem dhaqu dhaaf karaa irra yommuu bu'an yesus isaan dura ni adeema

ture. Baratoonni naana'nii dinqifachaa warri isaan dukaa bu'anis sodaachaa ni adeemu turan. Innis immoo warra kudha lamaan kphaatti fudhe, wanta isatti dhufaa jiruu isaanitti hinu jalqabe.

Maar 10:32.

Yesus ergasii baratoota kudha lamaan kophaatti fudhatee, " kunoo gara yerusaalemitti ol ba'uu keenya waa'ee ilma namaatiif raajootaan kan caafame hundinuus ni raawwatama. Haarka saba Waaqayyo hin ta'initti ni keenama, itti ni gaaffatama, ni arabsama, ittis ni tufatama.

Luq 18:31.

Barattoonni isaa kana hundumaa hin hubannee turan. Waa'ee maali akka haasa'uus beekuu hin dandeenyee turan. Otoo magaala Iyaarikootti kalaa'aa jiruu, namni jaamaa turee tokko karaa irra kadhachaa ture, namoonni yesus wajjiin odoo deemaa irani, namichi sunis, sagalee yoommuu dhaga'eetti wacii dhagahaa jiruu maali inni jedhe gaaffate. Nmoonnis Yesus nama Naazireeti sun asiin dabraa jiraa jedhani itti himan.

Innis sagalee isaa gudisee, yaa ilma Daawiti namaarii, jechaa gudisee iyyee. Namooni achi jiran, akka caldhisuu gad isa qaban, inni garuu gudisee iyye. Yesusis dhaabbachuudhaan, gara isaa isa akka fidan ajaje. Akuma inni gara goftaatti kalaa'aa jiruu, goftaan maal akka siif godhuubarbaaddaa? Jedhee gaaffateen. Yaa goftaa arguufan barbaada. Argii, amntaan kee si fayiseera jedheen. Tasuma arguu ganda'ee Waaqa galateeffachaa yesusiin dukaa bu'e.

Maat 21:1 Yerusaalem magaala Beta faagee gaara eejeernsaa qixaa'an, Yesus baratoota lamaan fuladura kiyya ba'aa ti adeema, haarree hidhamtee jirtuus ni argattu. Hikaa ti naaf fidaa; namni eennuu illee yoo isiin gaaffatee goftaadhaaf ni barbaachiftiif jedhaa ti deebisa. Kunis kan raajootan dubatamee ture sun akka raawwatamuuf ture.

Yaa intala Xiyoon hin soodaatiin, mootiin kee yaabbii haareedhaan gara kee ni dhufa;….

Isaanis akkuma goftaan isaanitti himee raawwatan.

Kannama dinqsisuu, Farisoota keessaa namoonni tokko tokko, garuu yesus dhufani, baratoota kee adabi, innis ani dhugaa isinittan hima, isaan yoo cala jedhani iyyuu dhakaan ni iyya.Maat 21:1.

Innis akuma magaala Yerusaalem kalaa'ee magaalatti argeetti magaalatiidhaaf ni boo'e. Guyyaa kana waa'ee nagaa keetiif ta'uu ilaaltee ba'eessa ture, garuu maaliif ilaalu dadhabde?

Maat 21:10 Yommui inni yerusaalem galutti, namoonni msgaalatti, inni eennuu? Jedhani gaaffatn, namoonni achi jiranis, inni raaji Yesus ,kan Galilaa Naazireeti iraa ka'ee dha jedhan.

*(Maat 21:12 Yesusis mana sagadaa seenee meeshaalee daldalaa hundumaa ni garagalchee, minjaala daldalaas ni garagalche. Namoota daldalan teesuma isaani ni jigsee; Manni koos mana kadhanaa jedhamee ni waammama, isin garuu holqa haattuu isa gotan.*

*Namoonni milli isaani laamsha'ee fi arguu hin dandeenyee gara isaa ni dhufan, hunda isaanis ni fayisee,*

*Daa'imman Hoosaanaa ilmaa Daawitiif jechaa yommuu iyyan, warri Farisootaa fi abootiin taayitaa dhaga'an, gudisani aran. Kunis Hoosaanaa jechuun Waaqayyo fayisaa dhaa jechuudhaa waan ta'eef. Luboonis yesussiin ,daa'imman waan jedhan dhaga'aa jirtaa? Jedhanniin, innis ijoolootaa fi afaan daa'imani irraa galata ufi keetiif ni qopheesitaa isa jedhuu hin dubisnee? Isaaniin jedhe.*

*Kana eerga dhaga'an booddee, Luboonni akkamiin akka isaa kiyyatan fucha barbaaduu itti fufan. Namoonni baayee galateefachaa isaa hordoofaa waan jiraniif, isa waan sodaataniif ture. Maar 11:18.*

Yoh 12:23 Goftaan yesus baratoota isaatiif, yeroon ilmi namaa ulfaatuudhaaf jiruu ga'eera. Ani dhuaa dhugaa isinniin jedha, iji qamadii lafa butee dutee tortoortee malee kophaa ishee ni haafti.

Keesi koo raafameera eegaa maal jedha ree? Yaa abbaa yeroo kana irraa na baraari? Jedhaa ree? Miti, ani waan kanaatiif waanan dhaladheef jechuudha. Yaa abbaa maqaa kee ulfeessi. Ani ulfeeseera atis ulfeessi. Kana hundumaa kan dubatee du'a akamitiin akka du'uu yommuu muldhisuu ture.

Goftaan yesus ilmoo haarree yaabatee Magaalaa Yerusaalem, waan galeef mootummaa Roomaa diguuf hin turre, garuu mootummaa seexanaa diguuf ture male. Kashlabbuummaa biyya lafaa jijiiruuf hin dhufnee, garuu keessa namaa jiriiruuf male. Yeroo jalaqabaatiif biyya lafaa dhufeetti, aarsaa cubbuu ta'uu dhaaf ture. Kanaanis ilmaan Adaami fayisuuf ture.

1.Innis guyyaa guyyaa dhaan mana qulqulluumaatti ni barsisa ture. Abootiin taayitaa isa baleessuudhaaf fucha ni barbaadan ture.Luq 19:49.

2. Akasumas, guyyaa tokko mana sagadaatti yeroo barsisuu, luboonni gara isaa siquu dhaan, mee nutti himi, angoo maalitiinis kana gotaa? Jedhaniin.

3. Enyuutuu yesussiin ajeesse? Isaan dubbii Waaqayyo didanii dha,

Dhagaan inni warri ijaartuun tuffatan, isa mataa golee qageelchu ta’e. Faar 118:22.

4. Inni biyya lafaa keessa ture, biyyii lafaas isa hin beeknee turan Yon 1:10.

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 80 FFAA

## DUBBII JABAA FI DHUGAA

## MAAT 22-25

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a. Haardhas mataduree karaa Haqa jedhu kan itti fufnu ta'a.

Barnoota barannee keessa, goftaan yesus, magaalaa warra farisoota, luboota magaala yerusaalem, isa ajeesuudhaaf shiranitti akka galee ilaallee ture. Sodaan xaxoo shira sanaa isa gara booddee hin haambisneen ture. Yeroo gabaa baaa keessatti isa ajeesuudhaaf qabaniin. Fnnoo irratti ajjeesaniin.

Guyyaa Guyyaatti namoonni, dubbii isaatiin isaa kiyyeesuudhaaf barbaadan,

Luq 20:20 kanaaf isaa gufaachisuudhaaf, namoota isa basaasan fakeesitoota gara isaa ni ergan ture. Warri kunis, gara isaa dhiyaachuudhan yaa barsisa, ati haaqaan akka barsistu, namoota hundumaa walqixee dhaan ni ilaalta, Mooticha Qeesaariif qaraxa galchuu haqa immoo haqa miti? Jedhani isa gaaffatan. Innis jaldhinna isaan baree, maaliif na qortani? Mee qarshi uf haarkaa qabdan natty agarsisaa isaaniin jedhe? Isaanis itti keenan, photon kun kan eenyuti isaaniin Jedhe, isaanis kan Qeesaariti jedhaniin. Egaa isa Qeesaaraaf ta'uu Qeesaaraaf isa Waaqayyoof ta'uu immo Waaqayyoof galachaa isaaniin jedhe. Maar 12:15-26. Isaanis isa kiyyeefachuu hin dandeenyee turan.

Maat 22:23 Warri Saduuqota isaan du'aa ka'uun hin jiruu jedhan, gara isaa dhufani, yaabarsisaa, Museen, namni tokko dhala odoo hin godhatiin yoo du'ee obooleesi isaa dubarti abbaan warraa ishee jalaa du'ee gursummaa irraa ilma isaaf haa goshatuu jedhe nu barsiseera jedhaniin. Oboolaan isaa torabanuu isaaf ilma argamsisuu dhaaf yaalan garuu hin dandeenyyee, eegaa guyyaa du'aa ka'uutti dubartiin sun haadha warraa eenyuu taati ree? Jedhan isa gaaffatan.

Humnaa fi dubbii Waaqayyoo waan hin beekneef isin ni dogogortu.Luq 20. Dhaloonni si'a kanaas ni fudha ni hikaas,mootummaa Waaqayyoo keessa walfudhuun hin jiree; namoonni akka

maleekaatti jiraatu male. Isaan ilmaan Waaqayyo dha, ilmaanis du'aa ka.uu dha. Waaqayyo yeroo Ani Waaqa Abrhaam, Waaqa Yisaaqi dha. Waaqayyo Waaqa jiraataa dhaa malee Waaqa warra du'ani mimit.

Maat 22:33 waldaan achi jiruu warra Saduqootaaf ogummaa akkamitiin akka gaaffii isaanitiif deebisee yeroo argan, baayee maalalfataniin.

Namoota warra seera barsisan keessaa tokko immoo, seera kudhan keesaa kamtu caalaa jedhee yesusiin gaaffatee, yesus yommu deebisuu, Waaqayyoo dhaan waan hundumaa caalaa garaa, sammuu fi yaada gutu dhaan akka jaalatuu kun immoo seera hundumaa akka caaluu, kan kantti qixaa'uu immoo obooleessa kee akka ufi keeti jaalladhuu isa jedhuu dha.

Seerani fi raajoonni kana irratti hidhamani jiruu!

Maat 22:41 odoo Warri Farisoonn achi walitti qabamani jirani, goftaan yesus, waa'ee Kristiis maal yaaddani? Ilma enyuut? jedhee isaaniin gaaffate. Daawiti Haafura qulqulluudhaan gaggeeffamee, goftaa kiyyaan goftaa jedhee, haanga dinoota keee milla kee jala kufisuutti, karaa mirga kooti taa'ii maaliif jedheen ree? Daawiti, goftaa erga jedheen, attamitti ilma isaa ta'uuf danda'a ree? Yeroo sana irraa jalqabee eennuu illee gaaffi tokko isa gaaffachuuf hin barbaannee ture.

Maat 23:1 Itti fufee goftaan yesus, Farisoonni fi barsisoonni seeraa angoo Musee irra ni taa'uu, wanta hojjachuu qaban, hin hojatan, isa barsisanis hojii irra hin olchan. Wanta dalagan hundumaa namootatti muldhachuudhaaf hojatan. Ba'aa ulfaata isa qubaan tuquu dhaaf hin barbaannee namoota irra kaa'an.

Wayyoo warra barsisoota Seeratii fi Farisootaaf isin warri of tultan. Isin karra mootummaa Waaqayyo cuftan, isiniis hin galtan, namootas akka galan hin gotan.

*Yaa yerusaalem, akkuma lukuun, cucii ishee haammattutti si haammachuuf, ofitti si qabuuf barbaadee ati garuu hin barbaanne.*

Maat 24:1 Yesusis mana qulqulluummaa keessaa ba'ee yommuu deemmuu baratoonni isaa, Yesusiin, argitee mana sagadaa kana jedhaniin. Dhagaan tokko illee wal irratti hin haafu ni digamma malee isaaniin jedhe.

Gaara eejeersaa kophaa isaa bakka taa’eetti baratoonni isaa mee nutty him kun hundii yoomitti ta’aa? jedhaniin. Mallattoon bara dhumaas maal inni? Jedhani gaaffataniin.

1.Maat 24:4 Homtinuu akka sin hin walaalchifnetti  akeekkadha. Baayyeen maqaa kootiin ni dhufu.

2. Marsisoonni sobaa kanii namoota baayyee ni dogoorchisisu.Lakk 22.

3. Ani waan hundumaa dursee  isiniin akeekachiseera. Lakka. 25. Namni tokko dhufee asi fi achi jiraa jedhee yoo isinitti himee hin amaninaa.

4. Maat 24:30 yeroo sana ilmi namoo dumeessa keessa otoo dhufu ija isaanitiin ni arguun. Ulfinaanifi humna guddaa dhaan ni dhufa. Yeroo sana akka daa’imaa gargaarsa barbaaduu fakaatee dhufee, guyyaa dhumaatti garuu mooti mootootaa, gooftaa goftootaa ta’ee humna guddaa dhaan ni dhufa.

5. Maat 25:31 Guyyaa dhumaatti, dhaloonni hundii fula isaa dura walitti ni qabama, hooloonni, gara mirgaatti, ree’oonni immoo gara bitaatti ni taa’u. Lakka 41. Isaan gara bitaa isaa jiraniin, narraa deemaa, isin abaaramootanan, seexanaafi ergamootaam  lafa qophaa’eetti deemaa; isaanis gara badisa bara baraatti ni adeemu.

6. Dubbiilee yesus isaan sodaachisaa dhaggeeffaneera; garuu dubbilee nama jajjabeesanis goftaan dubatee ture. Yoh 8:32. Dhugaa ni beektan, dhugaanis walbummaa isin baasa.

Macaafa qulqulluu fi humna Waaqayyo waan hin beekneef ni gogoogooetu, garuu dhugaan birmaduummaa isin baasa. Maat 22:29.

## KUTAA SADAFFA BARUMSA 81FFA

## IRBAATA GOFTAA YESUS

## MAAT 26

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, **nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu**. Milkaa'a.

Irra caalaan keenya akkuma beeknutti, qo'anna kitaaba Qulqullee adeemsisnee keessa, macaafilee wangeelaa (Injiil) kitaaba waa'ee masihicha Yesus nutti himuu qo'annee turre. Yesus fayisaa dhugaa ilmaan Addaam hundummaa humna Sexanaa jalaa walabeessuudhaaf dhufe dha. Innis ilmaan Addaam hundumaa irraa adda dha. Inni dhubbicha Waaqayyoo bira ture, foon uffate nama ta'uu dhaan muldhate dha. Yesus, seenaan dhaloota isaa adda dha, sababiin isaas, durba dhirrii bira hin geenyee irraa waan dhalateef ture. Dalagaan inni dalagus adda dha, takaa baasa inni dalagee ennuu ilee hin dalagne. **Amalli** Yesus' adda dha, inni amala qulqulluutti waan dhalateef ture, cubbuu dalagee hin beeku. Gooftaan Yesus Sexanaafi ergamoota isaa irra humna qaba, qileensi, dhibeeni fi humni du'aa isaaf ni ajajamaaf. Akka namicha knaatti takka namni dubatee hin beeku jedhanii deebsaniif. Yoh 7:46.

Amen! Yesus Goftaan keenya seenaan dhaloota, amalli isaa barsisi isaa dalagaan isaa adda dha. Haa ta'uu malee Kunneen hundi inni waaqa irraa akka dhufee akka ta'ee beekudhaaf namoota hin gargaarre. Adama Yesus ennuu akka ta'ee hin hubanne, kanaaf isaa akka ergamaati hudhatan jechaadha. Garuu Waaqayyo inni isaan dowwa'achuuf akka dhufee hin beekne turan. Dursoonni warra yihuduuta isa walaaluu qofaa otoo hin taanee, isa ajeesudhaaf shira xaxaa turan. Barnoota keenya keessa goftaan yesus barsisoota amantaa fi seeraa jaldhinna isaanitiif of tulummaa isaanitiif akka isaan adabee agarree turre. Dubi sanaanis akka qalbii isaan hin geddarreetti agarree turre. Garuu barsisoonni seeraa isaa ajeesudhaaf waligalan. " Jesus du'u qaba!" jedhan.

Yesus magaala Yerusalemitti akka du'uu ni beeka ture, kan isaa du'aaf dabarsani keenanis farisoota akka ta'an ni beeka ture. Kanaaf baratoota isaatiif waa;ee kanaa akeekachisees ture. Warii Yihudoota warrii Roomaa isatti akka qosan, itti tufan fi reebani fanisaniif dabarsani keenaniin. Garuu inni guyyaa sadaffaatti du'aa ni kaafame. Yesus **essa** akka du'u**, haala akkamin** akka du'uu fi akka du'aa kaafamu raajuu qofaa otoo hin taane, **guyyaa** kamitti akka du'aa kaafamuu dubtee ture.

- Maat 26:1  Yesus kana hundumaa dubbatee erga raawwatee boodde, baratoota isaatiif akkana jedhe, akkuma beektanii ayyaanni faasikaa ayyaneefammuudhaaf bulti lamatuu hafeen, ili namaas fannoo dhaaf dabarfamee ni keenama.

Goftaan Yesus baratoota isaatiif wanta dubatee yaadanna? Ilmaan Addaam,  ayyaanaa faasikaatti isa dabarsani du’aaf ni keennu.

Kitaaba Torah keessaa waa’ee ayyaana Faasikaa ilaalle turre. Ayyaanni kun kan ayyaaneefamuu jala qaba ji’a tokkooffa waggaa haaraa warra Yihudaatti ture. Innis ji’a Bitooteessaa fi  Ebila keessa ture. Yoommuu ayyaana kana ayyaaneefatan hundaa waan Waaqayyoo bara garbuummaa isaanitti isaaniif dalagee, haala akkamitiin Museetti gargaaramee ilaallee turre, humna  Fri’oon jalaa isaan akka baraares agarre turre. Qulqulluummaa isaatini fi  kaayoo isaa guddaadhaaf,ilmaan haangafaa kan Gibixootaa akka ajeessees agarree turre. Haa ta’uu malee warra isatti amananiif ajajamaniif carraa hin dhabsisnee ture.

- Waaqayyoo Ilmaan Israa’eelootaaf  hoolaa mudaa yookiin hirdhinna hin qabnee qalani dhaaba balbala isaanitti akka diban himee ture. “ **Yommuu dhiga sana argeetti irraa nan darba” Ba’u 12:13.**

Ilmaan Israa’eelis Akkuma Waaqayyoo isaanitti agarsisee ni raawwatan, deebi isaan keenaniifis Waaqayyo ilmaan isaan angafaa baraareef. **Waaqayyo dhiga hoolaatiin isaan baraare**.

Waggaalee 1500 tiif Israa’elooni ayyaana Faasikaa ayyaaneeffachaa turan. Kunis Waqayyoo du’a iraatiif garbuummaa Fari’oon jelaa isaan isaa olchee yaada’uuf  ture.

- Haata’uu malee Waaqayyo **isa durii yaada’aa** akka jiraatan hin feene ture. Garuu fakkeenya hoolaa aarsaa isa kakuu keessa isa eegeree fannoo irra du’ee biyya lfaa fayisuu akka arganiif barbaada, dinqii dha. Dhigli hoolaa Waaqayyo dhakamsa isa Warra gibxi caaluu irraa nama olcha. Abidda bara baraa irra!

Aarsaan goftaa yesus aarsaa isa qulqulummaan Waaqayyo, seerrii Waaqayyoo barbaaduu isa gutuu dha.

Waaqayyoon keenyaa ogummaa isaatiin hoolaan Faasikaa isa saba tokko qofaaf raawwatu, hoolaa caalaa kanta'ee addunyaa hundumaaf kanta'uu qopheesse, Ameen! Karoora Waaqayyo karoorseeGoftaan Yesus raawwate.

- Maat 26:1 Yesus kana hundumaa dubbatee erga raawwatee boodde, baratoota isaatiif akkana jedhe, akkuma beektanii ayyaanni faasikaa ayyaneefammuudhaaf bulti lamatuu hafeen, ilmi namaas fannoo dhaaf dabarfamee ni keenama. Laka 3, dursaan olaanaa fi gegeessaa masaraa olaanaa luba luboota maqaan isaa Qayyaaffaa jedhamu, isaan isa ajeesuu dhaaf shira xaxan. Garuu guyyaa Faasikaa ta'uu hin qabu jedhan, dubbii kana irrattis wali galuu hin dandeenye turan. Yihuda kan biyya Asqoroticha, gara wars dursootaa dhaqudhaan, ani isa dabarsee yoo isiniif keenne maal naaf keenitu? jedhe isaan gaaffate. Isaanis metim birrii 30 tilmaamamuu lakaa'ani isaaf keenan. Innis guyyaa sanaa irraa jalqabee isa dabarsee keenuudhaaf karaa barbaada ture.

Guyyaa daaboo raacitii hin qabnee nyaatamutti baratoonni, guyyaa, isa hoolaan Faasikaa wareegamuutti, baratoonni isaa Faasikaa isatti akka siif qopheesinuu barbaadaa? jedhani isa gaaffatan.

- Innis isaan keessa lamaan isaani ergudhaan, gara magaalaatti dhaqaa, fuldura keessan namni bisaan okooteedhaan baatatee ni argatan; isas dukaa adeema, abaa maa sanaanis, idnooni ani baratoota koo wajjin Faasikaa nyaadhu isa jedhe nu ergeera jedha gaaffadhaani innis iddoo midhagee qophaa'ee isiniif ni garsisa isaaniin jedhe. Barattoonni isaas gara magaalaatti adeeman, isaanis waan hundummaa akka Yesus dubateetti argatan. Isaanis ayyaana Faasikaa achitti ni qopheessan.

Yeroon irbaata Faasiikaa nyaatan geenyaan, Yesus ergamoota isaa wajjiin maaditti nitaa'e. Innis dhiphinna kiyya duraa Faasikaa isiin wajjiin nyaachuudhaaf naan haawwa ture. Dhugaa isinittan hima, hamma mootummaa Waaqayyootti raawwatan lamuu isnin wajjiin irbaata Faasikaa hin nyadhuu isaaniin jedhe.Mar 14:18. Otoo nyaataa jirani, Yesus akkana isaanii jedhe dhugaa dhugaa isiniin jedha, isin keessaa inni tokko dabarsee dinaaf ana ni keenna. Isaanis baayyee ni gaddan, tokko tokkoon isaani anaa laata? jechaa walii gaaffatan. Innis immoo warra kudha amaan keessaa tokko qodaa ittoo keessa haarka cuuphuu dha. Maar 14:20.

- Kuni hundinuu isa wangeela keessa caafamee odoo Yesus sababi aarsaa cubbuu dhaaf dhiga isaa hin loolaasiniin dura barreeffameedha. Goftaan Yesus isaan keessaa inni tokko isaa dabarsee algaatti akka keennu isaaniif himee ture. Innis Yihudaa nama biyya Asqooroti ture.
- Ilaalcha namaatiin Yihudaan nama amanamaa dha; garuu keessaa isaatiin Yihudaan hoorii dhaa fi biyya lafaa kanaatiif nama buluu ture. Kanaaf ture isa dabarsee isiniif yoo keennee maal naaf gotu? jedhee gaafateef.
- Kunis karaa raajii Zeekaariyaasiin dubatamee akka raawwatamuuf ta'e. Zech 11:12-13.
- Inni dubbiin murteessaa, dubbiin ijoo ta'ee,Maar 14:22, yommus nyaatan budeena fudhe cabsees barattoota isaatiif keenna, kun foon kooti, jedhe, irbaata boodees, xoofoo fudhe ebisee baratoota isaatiif keenne kun dhiga koo kakuu haaraati dhifama cubuutiif keenamee isaaniif jedhe… namoota baayyeetiif kan ta'u.
- Waaqayyo nuf jedhe isa cubbuu hin qabnee cubbuu godheen. 2qor 5:21.
- Dhigni Goftaa Yesus cubbuu hundumma irrani qulleessa. 1Yoh 1:7.
- Fayinni keessan kan argamee wantoota jijiramani badan keessa metifi warqidhaan meeti garuu dhiga Goftaa Yesus isa gati jabaa, hoolaa mudaa hin qabneen fayifamtan. Inni biyyi lafaa odoo hin uumaminiin dura filatame, garuu isin fayisuudhaaf gara boodeetti muldhate. 1Phex 1:18-21. Ameen.

## KUTAA SADAFFAA BARUMSAA 82 FFAA

## GOFTAAN YESUS

## DINOOTA ISAATIIN QABAMUU ISAA

MAAT 26, YOH 14

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, **nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu**. Milkaa'a.

Barnoota dabree keessa waa'ee Irbaata qulqulluu barannee turre. Goftaan Yesus otoo hin du'iiin dura baratoota isaa wajjiin  irbaata kana nyaate ture. Goftaan Yesus isaan keesaa inni tokko du'aaf dabarsee dinoota isaatiif akka keennus wangeela keessa dhageenye ture. Akkasumas, bideenni inni isaani keennu foon isaa akka ta'ee akkasumas, wayiniin inni isaaniif keennu dhiga isaa akka ta'ee  himeetti wangeela keessaa dhageenye turre. Itti fufees, kaayoon inni dhufeef dhiga isaa loolaase aarsaa cubbuu ta'uu dhaan karaa jireenya bara baraa akka qopheesse, karaan sunis isa akka ta'ee ni ilaalla.

- ✓ Haardha immoo dubbii ija ta'ee isa goftaan Yesus loltuun warra Roomaa yeroo isa qbuuf dhufee dubbatee ni ilaalla.
  Yoh 14:1  garaan keessan hin raafamin. Waaqatti amana.  Anattis amana. Mana abbaa kootti iddoo baa'ee tu jira. Otoo idoon hin jiraannee ta'ee ani isinitti hin himuu ture. Idoo isiniif qopheessuu dhaaf achi nan deema. Erga pheessee boodee ana wajiin achi akka jiraatan deebi'ee isinan fudhadha. Karaa sabas isin ni beeksu.
- ✓ Tomaas deebisee yaa barsisa ati essa akka adeemtuu hin beeknuu akamitti beekuu dandeenya? Jedhe isa gaaffate. Yesusis, ani karaa, dhugaa fi jirenya dha, ana malee ennui llee  abbaatti bira ga'uu hin dand'u. Dhugumaan ana yoo beektan taanaan abbaa koo ni beektu. Amma irraa jala qabdani isa beektani jirtuu isas argitani jirtu. Dubbii goftichaa kana irratti Filiphos, Yaa goftaa abaa nu agarsisti wantti hundumaa nuf ga'a. Goftaan Filiphositti, yaa Filiphos bara kana gutuu si wajjiin otoon jiraadhu na hin beekne? Jedheen.

Maaliif akkana jettaa?   Ana keessa abbaan akka jiruu anis abbaa keessa akka jiruu hin amantu? Dubiin ani sitti haasa'aa jiruu kan koo miti.  Garuu kan abba isa ana keessa jiruu fi kan anatti hojatuu dha. Abaan ana keessa jiraa anis isa keessa wayita jedhu natty amani. Yookiin ragaawwan baasa ani dalageen amana.

Yoo najaallattan taanaan, abboommi koo raawwadha. Anis abbaa koo naan gaafdhaa innis goorsaa addaa isin wajjiin bara baraan jiraatu **Hafuura dhugaa** isiniif ni erga.

Biyyi lafaa isa waan hin beeknee fi hin arineef isa hin simatu. Isin garu isin wajiin waan jiruu fi isin keessa waan jiraatuuf ni beektuun. Akka ilmaan abbaa hin qabneettikophaa keessan isin hin dhisu. Gara keessan ni dhufa. Biyyi lafaa asin dura ana hin ilaalle isin garuu ana agartani jirtu. Anis isinis ni jiraatu.

Guyyaa sana ani abbaa keessa akka jiraadhu isinis anaan akka jiraatan anis isin keessa akkan jiraadhu ni qulqulleeffatu. Namni abboommi koo fudhatee hoji irra olch, inni isa ana jaallatu dha. Inni ana jaallatuus akkasumas abbaa koo ni jaallata. Anis isa nan jaalladha jaalala isaas qabus nan muldhisa.

- ✓ Goftaan Yesus garaa isaani jajabeessuu dhaan wanta ta'uuf jiruuf isaan qopheesse ture. Gargaarsaan ni dhufa! Haardha namoonni hedduu dubbii goftaan dubbatee dabsuu dhaan inninuu ergamaan gara biraa akka dhufu dubateeraa ni jedhu. Garuu dubbiin goftaan Yesus dubbatee waa'ee argamaa yookiin namoota gara biraa otoo hin taane, waa'ee afuura qulqulluu amantoota keessa turuu dha.

**Gargaarsaan sun ennuu dha?**

*Anis abbaa nan gaaffadhaa anis gargaaraa gara biraa ahuura dhugaa isin wajjiin bara baraan akka jiraatu isiniif ni erga. Afuurrii Qulwulluun abbaan maqaa kootiin erguu waan hundumaa isiniif barsisa akkasumas waan ani isiniif barsise isin akeekachisa. Yoh 14:16-26.*

Ammas dabalee gaafi gaaffachuu ni dandeenya; gargaarsaan abdachifame kun enyuu? Laata. Inni Afuura Qulqulluu dha. Waaqa irraa dhufee yesus keessa jiraatu jechu dha. Inni Afura Yesusi fi Afuura Waaqa abbaa ti.

Inni Afuura isa hin jaallatamnee gara jaallatamaati jijiruu dha. Isaan of jaallatan keessa isaani jijiiruu dhaan jaala Waaqayyoo akka ta'an taasisuu dha.

- ✓ Maat 26:30 Faarfuu faarfachaa gar tulluu ejersaatti ol ni ba'an. Isin galgala kana ana mamtani na buusuuf jirtu, ani tiksee rukutee lafaan nan dha'aa hoolonni karaa sanaas

ni bitimfamu jedhamee caafameera. Maat 26:31. Garuu du'aa erga kaaafamee boodde gara galilaatti isin dursee nan deema.

- ✓ Phexiroos namoonni as jiran yoo siganan iyyuu ani si hin ganuu jedhe. Yesus ani dhuguma sitti hima, otoo inqaaqoon utuu hin iyiniin dura ala sadii na ganta isaan jedhe. Phexiroos itti fufee hamma si wajjiin du'uutti ani sin hin waakkadhu. Baratoonni gara biros akkasuma jedhan.

Yesus lafa Geta Samaanee jedhamutti baratoota isaa wajjiin ni adeeme, garas adeeme hamma kadhadhutti as turaa isaniin jedhe. Innis Phexirosii fi Ilmaan Zebdiwos isa wajiin fudhe, dhiphachuu fi raafamuujala qaban. Innis hamma du'utti keessi koo dhiphateera, as turati na ega. Achi fagaatee adda isaatiin lafatti dag gobifamee kadhachuu jalqabe. Yaa abba feedhii kee yoo ta'ee xoofoon kun ana irra haa darbu, garuu akka jaalala kee haa ta'uu malee jedhe kadhate.

Xoofoon dhiphinnaa yesus dhuguuf jiruu maal inni? Guftaan yesus ilmaan Adaam cubbuu isaani irraa fayisuudhaaf sababi rakatuuf baayyee yaada'ee ture. **Yeroon raajoonni Waaqayyoo dubatan amma ga'eera!** Namoonni waaqa fanisuuf jiruu, Waaqni isa jaallatuufi innis isa jaallatuu cbuu biyya lafaa hundumma isa iraa kaa'eera.

Kanaaf ture yesus yommuu kanadhatu, feedhiin kee haa dursuu inni jedhe kadhateef.

- ✓ Maat 26:40 yommu Yesus deebi'uu barattoonni isaa rafani turan. Sa'ati tokko iyyuu na waliin turuu hin dandeetani? Akka qormaatatti isin hin gallee ani isiniif nan kadhadha. Afuurii damaqaa dha foon ilma namaa garuu dadhabaa dha. Yesusis yeroo lammaffaaf deemee kadhachuu itti fufe. Xoofoo kana keessaa dhuguun dirqama yoo ta'ee, egaa feedhiin kee haa raawwatamu. Ammas **lammaffaa kadhannaa dhaaf** yommu deebi'uu ijji isaani dadhabee rafani turan. Ammas isaan irraa adeemuudhaan **yeroo sadafaatiif** waanuuma tokko irra isaaniif kadhate.

Odoo inni dubbachaa jiruu, inni isaan kudhalamaan keessaa tokko ture yihudaan achi ga'e. Isa wajjiinis namoonni uleefi waraana uf haarkaa qaban, lubootaa fi gaggesisoota seeraatiin ergaman ol seenan.

Inni goftaa isaa dabarsee gurgurees milikitaan, inni ani isa dhungadhu isa dha jedhe isaanitti agrsise. Yihudaanis yaa gooftaa jedhee yesusiin dhungatee; Yesusis obooleessa koo wanta dalagudhaaf barbaadu dfi iti raawwadhu jedhen. Namoonnis dafani hatantamaan gara isaa dhufan yesusiin qabaniin.

- ✓ Kana irratti inni jaala yesus ture tokko billaa isaa luqisee gurra gargaarsaa luba luboota kute. Garuu Yesus gura namichaa tuqee fayisee, nama isa gargaaruu dhaaf yaaleetti billaa kee deeffadhu, namoonni billaa luqifatan hunddii billaa dhaan dhumu jedheen. Luqa 22:50.
- ✓ Fabbaa kiyya yoon kadhadhee looltoota kumaatamaan lakkaa'am sitti fakaata? Garuu haala kanaan yoo hin taanee kitaabni akkamitti raawwatama ree?
- ✓ Billaa kee, waraanakee deeffadhuu! Maat 26:52-54.

Lubbuu koo deebisee fudhachuudhaaf dabarsee waanan kennuuf , abbaan koo na jaallata. Humtinuu lubbuu koo na duraa hin fudhatu anumatu ofii kootiin kenna malee.Ani lubbuu koo dabarsee kennuudhaaf, ammoo deebisee fudhachuu dhaaf aboo qaba; abboommi kana immoo abbaa koo biraan fudhadhe, jedhe.Yoh 10:17,18)

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 83[FFAA]

### Jibamuu Yesus

### Maat 26, 27; Yoh 18, 19

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis

bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Qo'anna Macaafa Qulqulluu raawwachaa jirruu keessa raajoonni haala akamitiin kaayoo Waaqayyo ilmaan Addaam nama jalqabaa fayisuu dhaaf kaayee labsaa akka turan agarree turre.

Karorrii Waaqayyo Waa'ee fayinnaa maal ture? Innis fanifamuu kiristoos ture. Raajoonni Waaqayyo Masihichi akka du'u raagani turan; dhiga isaa warra yakamoo ta'aniif dhangalaasuu qaba jedhani raagani turan. Kanaanis akka hoolaa mudaa hin qabneetti du'ee du'a keenya nurraa fudhata.Kun immoo karaan Waaqayyo nu fayisuu isa dhumaa ture. Karaa aarsaa yesus malee fayinni gonkumaa hin argamuu jechuu dha. Karaa barnoota tarreeffama yookiin waliti fufu kanaan gara barnoota murteessaa ta'eetti kalaa'aa ni jirra. Kunis Goftaan yesus akkamitti lubbuu isaa akka aarsaa godhee ilmaan namaatiif keenne ni argina.

Brnoota torbaan laallee keessa warrii luboonni nama lafa Yesusi fi baratoonn isaa jiran isaan agarsisuu akka bitan agree turre. Isaanis akkamiin isa qabani akka rakiisan agare turre. Nama dinqsisa! Innis inni waa'ee isaa akka du'uu du'aas akka kaafamuu barreeffamee akka raawwatamuuf isaan caldhise. Isaayaas Macaafa isaa keessa Masihich akka hoolaa qala haarkifamutti akka ta'ee raajee ture. Isaa53:7.

Mee halkan dukanaatti wanta Yesus irra raawwatamee haa ilaallu:

Maar 14:53. Isaanis lafa luboonni, farisoonni fi barsisoonni seeraa walitti qabamanitti isa geessan. Pheexiros immoo fageennaan isa Hordoofaa ture. Innis waardiyyoota bira taa'ee abidda o'ifata ture.

Angoowaanbulchitoonni hunddi isa balleessuudhaaf wanta qabatama ni barbaadan ture, haa ta'uu malee waan tokkuu illee hin argannee turan. Namoonni hedduu dharaan isaa irra haa raggaasisan malee ragaan isaani wal faalleessa ture. Namoonni tokko tokko kan'ani, mana qulqullummaa kana nan digaa guyyaa sadii keessatti immoo isa ilmaan namootiin hin ijaarramnee nan ijaaraas yommu jedhuu dhageenyee jirra jedhani isa irra sobaan dubbi isaa

jal'isani ni dubatan ture. Ammas dubbiin isaani wali hin simatuu ture. Lubni luboota ol dhaabatee ati waa'ee kanaa hin dubbattuu? Jedhee yesussiin gaaffate. Waa'ee kee inni namoonni dubatan maal inni/ jedheen, yesus garuu waan tokko illee hin deebifnee ture. LLubni ol anaas ati ilma isaa qulqulluu dhaa? Jedhee gaaffateen. Eyyee, ilmi namaa mirga abbaa hundmaa caaluu ta'ee ni ilaaltaas, akkasumas dumeesaan yommuu dhufuu ni agartaa jedheen. Lubni olaanaan wayaa isaa tarsaasee, kana caalaa raga barbaannaa ree? Yommuu Waaqa arbsuu kunoo agartani jirtu, maal yaadduu ree isaaniin jedhe. Isaanis duti isaaf akka ta'uu isatti Murteessan. Isaan keessaa namoonni tokko tokko immo itti tufan. Ija isaa carqii dhaan hidhani mee raaji enyu tu si rukutee jechaa itti qosuu fufan. Waardiyyoonis isa fudhatani isa reebaa turan.

Yommu Phexiros achi ta'uu, hojjattuun Luba olaanaa nanwaa sana dhuftee, yommu phexiros abida o'ifatuu isa argitee, isheenis ati Yesus nama Naazireeti wajjiin turte, Pheexirosis, waan ati jettuu hin beekus naa hinggallee ittiin jedhe, ati nama Galilaa waan taateef, isaan keessaa tokko dha jeteen. Kakachaa nama ati jettuu gonkumaa hin beeku jedhe deebisee phexiros. Tasa Andaaqon yeroo lammaffaa ni iyyee, phexirosis waan yesus dubatee odoo Andaaqoon hin iyiin alaadii na waakataa isa jedhe ni yaade. Inis baayyee dajii bu'ee bo'e.

Barii luboonni hundii fi geeggeesitoonni waldaa isa ajeesuudhaaf waligalan. Isaanis isa hidhudhaan dabarsani Philaaxosiif keenan. Yihudan Yesus akka hidhamee dabarfamee keenamee dhagaheetti, qarshi sodoma lubootaafi jaarsoota sabaatiif deebise. Nama haqa dabarsisee kenuu kootti gaabeera, kuni dhimma keenyaa miti, waan kanaaf situu itti gaafatama. Kanaaf Yihudaan hoorii sana mana qulqullummaatti dabee achi sokke. Deemees of hudhe du'e.

Yoh 18:28. Yihudooni Yesusiin Qyaaffaa irraa gara masaraa bulchiinsa Romaatti geessan. Ganama waan ta'ee fi akkasumas sanbata waan tureef mana mootumma seenani of xureesudhaan ayaana faasigaa irraa akka hin haafneetti ni yaadan. Kaaf Philaaxos gara isaani dhufee isaan gaafate, nama kana irra himata akkami fiddani dhuftan isaaniin jedhe. Odoo yakamaa ta'uu dhabaatee gara kee isa hinfidnuu isaan jedhani deebisaniif. Egaa isinuu isa fudhadhaati seera keesaniin itt muraa isaaniin jedhe. Nuti immoo ennuu irratti illee murudhaaf

aboo hin qabnuu jedhani isaaf deebisan. Kunis kan ta'ee Yesus haala akkamiin akka du'uu isa dubatee akka raawwatamuu ture.

*Ergasssi Philaaxos Gara masaraa  isaa deebi'ee, Yesusiin waamee, ati Mooti Yihudaa dha? Jedhe gaafateen.. Ysus immoo Philaaxoosiin, Kuni gaffi keeti moo  namoota gara birootuu akka ana gaafatuu  si gaafatan? jedhe yesus isa gaafate. Isaan kan na gaafatan namoota keesani fi, luba olaa naa keesan to dabarsani anaaf si keenan jedhe philaaxos deebiseef. Ati yakka maali dalagde? Yesus immoo mootummaan koo biyya lafaa irraa miti. Otoo akana ture, looltoonni koo akka Yihudootaan hin qabamneetti ni falmuu turan. Egaa Mootummaan koo gara biraati. Philaaxos itti fufee, ati Mooti dhaa? Jedhe Yesusiin gaafate, Yesus Yommu deebisuu, eyyee Mooti ta'uu koo atuu dhugaa baate jedhe deebiseef. Lakk.37. Sababii kanaaf dhaladhee, dhugaas labsuu dhaaf gara biyya lafaa dhufe jedhe.*

*Luqaa 22:38 Philaaxos ,dhugaan maali dhaa? Jedhe gaafate. Philaaxos kana irra gara Yihuudoota lammaffaa deemee, nama kana irra wanta wa'ee baasuu isa irra hin argannee. Isaanis arii dhaaf barsisa isaatiin umata yihuudaa irra ni kakaasa jedhan. Kunoo Inni magaalaa Galilaa irraa jalqabee asiin gahee jiraa jedhan. Kana dhagahaa otoo jiruu, Yesus nama galilaa ta'uu isaa ni gaafate; innis bulchiinsa Heerodis jala ta'uu isaa eerga qulquulleesse booddee, Philaaxos, Ysusiin gara Heroodisiitti ni eergee.*

*Luq 23:8 Heroodis Yesus gara isaa akka dhufu yommu beekeetti baayee gamade, kunis waa'ee Yesus argudhaafgudisee waan hawwaa tureef. Waan dhaga'ee irraa Yesus dinqii akka dalaguu barbaade ture. Innis gaafilee heedduu isa gaafateen ture, Yesus garuu waan tokk illee isaaf hin deebifne. Luboonni olaantoonni fi barsisoonni seeraa isa himachuu dhaaf aridhaan baba'ani ijaajani turan. Heerodisii fi looltoonni isaa Yesusitti qosaa turan. Wayyaa Mootummaa ufisani gara Philaaxositti isa deebisan. Guyyaa sana Heerodisi fi Philaaxos fireman, haa ta'uu malee asiin dura walii dina turan.*

*Philaaxos, luboota olaanaa, barsisoota seeraa fi ummata walitti qabe, nama kana akka yakamaa tokkotti ana bira fidani jirtuu, garuu ani isa irra wanta waa'ee baasuu isa irra hin aarginee jedhe. Kanaaf ture, Heerodis  gara koo sababi deebiseef.  Egaa akka seera keessani, guyyaa ayyaana fasikaa nama tokko isiniif ni hikama, mooti Yihuudaa isiniif hikuu? Jedhee isaan gaafate, isaanis, hin ta'uu jedhani iyan. Barbaani nuf hiki jedhani iyyan. Barbaan ajjechaani fi*

*yakka jequmsaan himamee hidhamee ture. Egaa Yesus hoo maal ta'uu qabaa? jedhee philaaxos gaafate, **uummanis sagalee isaa gudisee haa fanifamuu jedhan iyyan**. Yeroo sadafaatiif ani yakka tokko illee isa irra hin arganne, namni kun yakka maali dalagee? Jedhe philaaxos gaafate. Ani isa garafee gad lakisaani isaaniin jedhe.*

*Yoh 19:1 Philaaxos isa fudhatee, garafeen. Looltoonni, qoreedhaaf keewwata mootumaa mataa isaa irra ni kaa'an. Wayaa ufisani, Yaa mooti Yihuudaa jechaa itti qosaa turan. Fula isaa kaballaadhaanis ni rukutaa turan. Philaaxos irra deebi'ee yaada jal'innaa kana akka dhisan isaan gaafate, isaan garuu haafanifamuu jedhani dabalani dabalani ni iyyan.*

*Philaaxo Yesusiin, ati nama eessaati, jdhee gaafatee, Yesus garuu waan tokko illee hin deebifneef, Philaaxos ani si fanisuudhaafi si hikuudhaaf akka aboo qabuu hin beektuu? Jedhe. Waaqa irraa yoo siif hin keennanne malee waan tokko illee godhuu hin dandeettu. Jedheen. Namni dabarsee siif keenna yakamaa cubbuu guddaa dha. Yeroo sana irraa jala qabee Philaaxos, isa galakisuuf ture, garuu sabni sagalee guddaa dhaan waan iyyeef ni sodaate. Sabni yommuuiyyi ati nama kana yoo gad lakiftee jaala qeesaarii miti jecha iyyan. Namni mootummaa ta'uu marbaaduu maqaa Qeesaari jedhu ni argata ture.*

*Maar 15:15 Saba sana gammachisuudhaaf jedhe, Philaaxosa bBarbaani gad lakisee, Yesusiin immoo fannoo dhaaf dabarsee keenne.*

*Isa 53:7. Inni rakatee dhiphateesi, garuu afaan isaa haasaa dhaaf in banne., akka hoolaa qalamuu lafa qalamuutti geeffamuu ta'ee waan tokko illee hin dubbanne.*

*Isa 50:6. Dudda koo namoota na rukutaniif, boqoo koo warra kabalaniifi areedakoo haarkisaa natti baacaniif natty tufaniif nanan keenne.*

*Namoota isatti amaniif garuu inni mirga mucuummaa Waaqayyo isaaniif keenneera 1qor 2:8,Yoh 1:10-12.*

*Isa 53:7. Inni rakatee dhiphateesi, garuu afaan isaa haasaa dhaaf in banne., akka hoolaa qalamuu lafa qalamuutti geeffamuu ta'ee waan tokko illee hin dubbanne.*

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 84FFAA

## FANIFAMUU YESUS

### Maat 27,Maar 15,Luk 23, Yoh 19

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Torbaan dabree Yihudoonni haammeenaan ka'ani Yesusiin hidhani Gara Luba olaana akka geessan dharaanis isa irra akka ragaasisan, akkasumas, gara bulchaa galila gar philaaxos akka isa fanisuuf geessan ilaalle turre. Looltoonnis, wayaa mootummaa ufisaniin, isa dhidhiibaa isa irra akka taphatan ilaalle turre. Reebani itti tufan mataa isaa gadrukutan. Ilmaan Adaam, isa qulqulluu waaqatan, goftaa ulfinnaa, isa waaqa irraa dhufe! Sabni Yesusiin reebe sun, dubbii yookiin raajii dubatamee hin beekan turan. Gama biraatiin yommuu isa reeban tuffatan, dubbii waa'ee isaa dubbatamee isa haarka yakkamtoota dhiphata isa jedhu isaan irra raawatamaa ture.

Haardha Goftaan Yesus wangeela keessa akkam akka rakatee fanifamee akka du'ee ni ilaalla. Kanaanis karoora isa waaqayyo karaa ergamoota isaatiin dubatee akka gutee ni ilaalla jechuudha.

Bara bulchinsa Romaa keessa mootummaan Romaa, adaa yakamtoota muka yookiin fannoo irra famisuu ni shaakaluu turan. Fanisuun wanta baratamee ture. Adabbin kunis fanoo jedhamee ni beekama; waan kanas, yakamaa hamaa irra ni raawwatama ture.

Nu keessa Masihi qulqulluu kana du'ee salphinnaa akkanaa akka du'uu Waaqayyo maaliif Yesusiin caldhisee? jechuu ni dandeenya. Sababiin Yesus karaa sanaan du'eef cubbuun hammam balaa akka ta'ee arsaa nama baasisuu nu barsisuuf I dha. Biyyi lafaa haammeenaan isa gutamee dha. Hundii keenya yakkamtoota, faallaa Waaqa qulqulluu isa jiraannuu dha. Cubbuu keenya

gatee tokko malee akka nuf dhisuu, Waaqayyo karaa qajeelaa ta'een raawwachuu qaba. Waaqayyo karaa hundumaan kana immoo hin raawwatu. Inni sababi qulqulluu ta'eef karaa haqaatiin cubbuu adaba jechuudha. Gatiin cubbuu immoo du'aa fi abidda bara baraati. Kanaaf gatiin cubbuu kun immoo gutumatti  ba'uu qaba. Oduun gamachisaa immoo gati kana akka nuuf baasuuf fayisaa isa qulqulluu nuf ergame. Maqaan Fayisaa sanaas Yesus Krisitosi dha. Inni sababi cubbuu keenyaaf isa nu irra dhufee, dheekamsa Waaqayyoo irraa nu olchudhaaf dhufe.

Yoh 19:1 ergasi Philaaxos Yihudotatti akka isa fanisan dabarsee keenne. Aboo isaatiif sodaatee jechu dha. Looltoonni isa ni himatan, Yesus fannoo irra fanifamuu baatatee gara lafaa buqqee mataa yookiin golgoota jedhamuu imale.

Odoo Yesusin gara lafa fannoo geggeessaa jirani, Simoon nama Qareenaa qaban, inni dhimma isaatiif yommuu deemuu, fannoo kristos isa baattachisan. Dubartoota, waa'ee yesus bo'an dabalate, namoonni heedduu isaan waajiin gara lafa Yesus fanisanitti isaan dukaa ni deeman. Yesus wajjiin yakkamtoonni lamaanis fanifamuuf qipha'ni turan. Lafa Golgootaa jedhamuu yommu ga'an, namoota yakkamtoota wajjiin isa ni fanisan. Yakamaan tokko gara mirga isaa, inni kaan immoo karra haarka bitaa isaa fanifamee ture. Yesus yaa abba, waan hojjatan waan hin beekneef yakka isaani dhisiif jedhe kadhata ture, Yakkamtoonni lamaanis, wanta ta'aa jiruu ni hordoofan ture. Inni namoota  fayisee, mee offi isaa ni fayisaa laataa? Jedhani walitti haasa'u. Dhugaati wayini itti keennaa, mee ati mooti Yihudhaa yoo taatee of olchi ni jedhu ture.

Yoh 19:19  Philaaxos fannoo irra akka maxxanfamuu barreeffama qopheesse ture. Barreefamnis, " Yesus nama Naazireeti, Mooti Yihuudha" jedha ture. Barreeffamni sunis afaan Aramaayikiin, afaan Laatiniini fi afaan Grikiin hikamee ture. Lubni olaanaan, Philaaxoosii dhaan akkana hin barreesiin, isatuu akkas jedhee malee, inni mooti Yihuudhaaa meti jedhe morme, Philaaxoonis, ani barreesse jiraa eyyee barreesse jiraa jedhe yaada isaa cimsate. Loontoonni wayaa isaa iddoo afuritti tarsaasan, inni arfafaan haala mijataa ja'een binxame. Inni haala ba'eesse ta'een waan bintaeef. Namoonni kana binxuu hin qabnuu, irratti carraa haa baasnuu wali jedhan. Kunis Daawit Karaa faarfannaa isaatiin inni raajee akka raawwatsmuuf ture. Innis akkana jedha; wayaa koo ni hiran  caraas itti ni baafatan isa jedhuu ture. Dalagaan looltoonni dalagan isa kana ture.

Luqa 23:39, Goftaa yesus wajjiin isaan fanifamee keessaa inni tokko Yesusiin arabsuu itti fufee, At Kiristoos miti? Ofi kees nus fayis? Jedheen. Yakamaan inni kaan iriyaa isaati dheekamee, amma iyyuu dhakamsa keessa odoo jirtuu iyyuu Waaqa hin sodaatu? Jedheen. Nuti gati harka keenyaa argachaa jira, namni kun garuu qukqulluu dhaa jedhe. Kana dubbatee, Yesus mootummaa keetti na yaadii jedheen. Yesus, dhuguma sin jedha, ati haardha mootummaa Waaqayyootti na wajjiin tata jedheen.

Maar 15:33 Sa'aati jahaaffaa irratti dukkanni dhufee hamma sa'aati sagalitti ni dukanaa'e. Sa'aati saglafaa irra Yesus sagalee guddaa dhaan iyyee eloohee eloohee laamaa sabaqxaani jedhe. Hikaan isaas, yaa Waaqayyo koo Yaa Waaqayyo koo maaliif nadhiiftee? jechuudha. Nmoonni achi dhaabatan, ilaa Eliyaasiin waamaa jiraa walii jedhan. Walakaan isaani immoo dhisaani mee Eliyaas gad bu'ee isa yommuu isa olchuu arginaa walii jedhan. Wanta Yesus jedhees akkasumas, waan ta'aa jiruu hin hubanne turan. Haalkan walakaa irraa jalaqabee hamma guyyaa itti anuu haamma waareetti ni gukanaa'ee. Yeroota dukkanaa'an keessa cubbuu ilmaan addaam hundumaa yesus fayisaa irra kaa'ee ture. Egaa namni isatti amanee hundii dheekamsa Waaqayyoo irraa ni olfama. Rakko iddoo keenya rakatee tilmaamuudhaaf hin danda'amuu. Baayyee guddaa waan ta'eef.

Yoh 19:28 amma wantti hundinuu ni raawwatamee, caffanni qulqullaa'oon akka raawwatamuuf, " Yesus dheeboodhee jedhe". Sagalee guddaa dhaan Yaa abbaa lubbuu koo dabarsee haarka keetti keeneeraa jedhe. Kana jedhees, hafuura isaa isa dhumaa baafate.

Maar 15:38 Golgaan mana qulqulluumaa gubbaa dhaa hanga jala isaa iddoo lamatti ni tarsa'ee. **Ajajaan achi turees waan ta'een maalalfate, dhugumaan inni ilama Waaqayyo dha jedhe**.Dubarsoonni tokko tokko fagootti wanta ta'aa jiruu ni hordoofan turan, isaan keesaas, Maariyaam ishee kan Magdalaa, Maariyaam ishee hadha Yaaqobii isa xinaa fi Yoseefi, akkasumas Solomeenis ta'ani ni hordaman turtan. Galilaa keessa isa hordoofaa waan isaaf barbaachisuun dubartoota Yesusiin gargaarani turani dha.

Yoh 19:31 Lakoofsa kana irratti guyyaan itti anuu guyyaa sanbataaf itti qiphaa'ani dha. Sababiin isaas, guyyaa sanbataatti reefi Yesus fannoo irra akka hin ollee ture; isaanis milli isaa cabee, foon isaa akka fudhataniif Philaaxoosiin gaaffatan. Looltoonni mila isa Yesus wajjiin fanifamee

mila isaa cabsani immoo gara Yesus deebi'anitti lubbuun Yesus dabree argan. Lololtoota keessaa inni tokko cinaacha Yesus albee dhaan ni waraanee, tasuma cinaacha Yesus keessaa bishaani fi dhigni ni loolaa'e. Namni achi dhaabbatees wanti raawwatamee hunddii dhugaa ta'uu isaa raga ba'ee kunis kan raawwatam, caaffata qulqullaa'oo keessa, " isaan isa waraanan ija isaanitiin ni argu.

Bodatti Yoseef namni sooreessa ta'ee foon goftaa yesus argachuudhaff Philaaxoosiin kadhate.Namni kunis duka butu Yesus dhoksaan isa hordoofuu ture, sababiin isaas, Yihuudoota waan sodaateef ture. Eyama Philaaxoosii dhaan qama Yesusi fudhate, Niqodimoosinis isa wajiin ture. Niqoimoosiin immoo, nama haalkan keessa nama Yesusiin dho'atee ture. Niqodimoos gati guddaa dhaan hadhaawwaa bitee Yesusiif ni fidee. Yoseefi fi Niqodimos reeffa Yesus urgooftuu dhaan ni midheeksan, akka seera Yihuudootaatti ni qopheessan. Idoo Yesus awwaalamuuf jirutti magarisa ture, iddoon awwaalaa qophaa'ee jiru ni argatan. Guyyaan sunis guyyaa ayyaana sanbataaf qopha'an ture.

Haalli adeemamaa jiruu baayyee nama isa gadisisuu ture, garuu, haalli jijjiramee, Yesus du'aa ka'e.

**Raawwatam!! Dhugaa dhgaa isin jedha hardha ana wajjiin janata ni taata.Luqa 23:43. Hojiin keenya nuf raawwatameera! Kan biyya laa, akkasumas, kan barabaraas Ameen!**

**Cubbuu keenya nuf baatate! Isaa 53:9.**

**Karaa isaatiin qulqulluummaa Waaqayyo akka argatan, nuf jedhe isa cubbuu godhe, 2qor 5:21. Raawwatameera! Yoh 19:30.**

## *KUTAA SADAFFAA BARUMSA 85 FFAA*

## *YESUS DU'AA KA'EE*

## *LUQA28, MAAT 28, YOH 20*

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota isa dabree keessa, Goftaan Yesus akka dhiga isaa lolaasee agarree turre. Karaa fannoo isaatiin, cubbuu dhaloota irraa kaasee, karaa araaraas ni saaqe. Wanti hundinuu akkuma Waqayyo karoorfateetti in raawwatame. Masihichi itti qosamee, jibamee fannoo irra fanifame. Akkuma hoolan mudaa hin qabnee bakka ilma Abrhaamitti wareegameetti, Goftaan Yesus hoolaa haanqinna hin qabnee ta'ee bakka keenyatti du'e. Lubbuun isaa odoo isa keessaa hin a'iniin dura, Iyyee raawwatame! jedhe. Glanni Waaqayyoof haa ga'uu, Goftaan Yesus karoora Waaqayyo isa fayinnaa fixaan ba'e. Duni goftaa Yesus du'ee wangeela keessa odoo gammachisaa baayyee murteessa ture. Wareegamni Yesus caroorrii Waaqayyo qulqullummaa isaa wajjiin ofo wal hin faalleesiin isa nu fayisuu dha. Erga du'uun Yesus odoo dammachisaa morteessaa ta'e, mee haardha dubbii murteessa isa waa'ee Yesus du'aa kaafamee haasa'uu haadhaggeeffannu. Waaqayyoo Yesusiin du'aa kaaseen.

Goftaan Yesus erga fanifamee boodde looltoonni isa bira dhufani, cinaacha isaa albeedhaan waraanuudhaan, bishaani fi dhigni cinaacha isaa keessaa akka ba'uu taasisan. Kunis inni akka du'ee ni agrsisa . Namni soreesa ta'ee tokko reeffa Yesusi fudhatee, awwaala kattaa irraa bocmee qophaa'ee keessa isa awwaleen. Afaan balbala awwaalichaa irratti immoo dhakaan guddoo ennuu illee isa garagalchuu hin dandanyee irra kaa'an. Wanti hundinuu akkuma raajoonni waaqayyoo dubbatan ni raawwatame.

Maat 27:62,Guyyaa itti anutti, guyyaa sanbataaf qopha’anitti, Luboonni ol anaafi Farisoonni gara philaaxos ni deeman, Isaanis yaa goftaa, Yeroo dhuma lubbuudhaan ture, warri soban, guyyaa sadii keessa du’aa ni ka’aa yommu jedhan dhageenyeera, egaa iddoon awwaala hanga guyaa sadii akka egammuu ajaji, kana yoo hin goonee taanaan, baratoonni isaa reeffa isaahaatani, ka’eera ni jedhu. Inni booddee irra ta’uu isa jalqabaa irraa ni haamaata. Philaaxosis, namoota eegan fudhadha, akkuma isin beektan raawwadha.

Maat 28:1 Sanbani erga dabree jalqaba torbaan isa jalqabaatti, Maariyaam Ishee kan biyya Magalaa fi Maariyaam isheen gara biro iddoo awwaalaa dow’achuudhaaf bari deeman. Ergamaan Waaqayyo gad bu’ee dhakaa guddaa sana waan garagalcheef kirkira lafaa isa guddaan raawwatamee ture. Hojjaan isaa akka balaqisaa bakakaa yommu fakkatuu, wayaan isaa immoo akka cabbie ni aaddaata ture. Namni iddoo sana eegaa ture soda irraa kan ka’ee akka nama du’ee fakaatee kufe.

Yommu dubartoonni lafa awwaalaa dhaqaban, dhakaan inni guddaan ganga’aee argan.Luq 24:2. Garuu reeffa goftaa Yesus achitti hin arginee turan. Wanta ta’ee odoo maalalfataa jirani, namoonni lamaan wayaa akka balqisa bakakaa fakaatuu isaan bira dhaabbatani ni argan. Sodaa keesa odoojirani adda isaanitiin gombifamani jara sanaaf ni sagadan, jarri lamaan sunis, jiraataa du’aa keessa maaliif barbaaddu? Inni as hin jiru! Du’aa kaafameera jedhan. Yeroo magaala Galilaatti isiin wajjin jiruu waan isinitti himee yaadadha! Inmi namaa hardha cubamootaatti dabarfamee ni keenama, ni fanifamaas, guyyaa sadaffaattis du’aa ni kaafama. Isaanis dubbii inni isaanitti dubbatee ni yaadatan. Isaanis dafani lafa awwaalaa keessaa hatantamaan ni ba’an, waan isaan argan hundumaa warra kudha tokkootti fi warra garabiroo hundumaaf ni labsan.*Isaan garuu waan dubartoonni dubatan akka waan waa’ee hin baafneetti fudhataniif itti hin amannee turan. Yoh 20:9. Garuu Pheexiros lafaa ka’ee gara lafa awwaalaatti ni figee, innis gad gombifamee yommu ilaalu, wayaa itti maramee jirbii talbaa irraa isa ojatamee ni arge. Wanta argeen maalalfataa achi ni ba’e.Guyaadhuma sana, isaan keessa lamaan gara magaalaa Emaahus ishee magaalaa Yerusalem irraa kilometer 10 fagatuttui ni imalani turan. Isaanis wali wajjiin wanta ta’ee haasawaa turan. Odoma isaan haasawaa turan, Ysus isan jidduu ni argame. Isaan garuu isa akka ta’ee adda hin baafanne turan.*

*Innis isin waa'ee maali haasawaa turatan? isannin jedhe, isaan garuu haamma ammaatti morma isaani ol hin qabne turan, isaan keessaa Qala'oophaa jedhamuu Yesusiin, ati nama magaala Yerusaalem do'atuu qofaa dhaa? wanta ta'an hundumaa quba hin qabdu? jedhe Yesusin gaafate.*

*Yesus maal to ta'ee jedhe isaan gaafate. Waa'ee Yesus nam Nazreeti, jedhani deebisani fi. Inni Raaji turee, dubbii dhaani fi hojii dhaanis Waaqaa fi fuldura namoota hundumaatti jabaa ture. Luboonni olaa fi geeggesitoonni seeraa du'aaf dabarsani isa keenan, isaanis isa fanifan. Nutis inni Israa'eeliin ni walaboomsa jennee abdannee turre jedhani isatti ni himan, wanni gara biraa maal tu jira ree kunoo inni erga du'ee bulti sadii guteeraani kunoo. Kana malees, dubartata keenya keessaa immoo nun maalafachisan. Isaanis barii gara iddoo awwaalaa ni deemani turan, garuu reefi isaa achitti hin argamne turan. Dubartoonnis ergamaa Waaqayyoo biraa dhufee, inni akka du'aa ka'ee nuti himee muldhataan agarreera nun jedhan. Isaan garuu isa hin argineen jedhan. Obooloni tokko tokko gara iddoo awwaala dhaqani waanan dubartoonni dubbatan dhugaa akka turee ni mirkaneefatan jedhani turan. Yesus immoo waan raajoonni dursani dubbatan amanuudhaaf hamman wallaaltoota, isin hammam amanuudhaaf harkifamoo dha!* ***Kristoos dhiphinna sanneen keessa dabree gara ulfinnaa seenuu hin qabuu ree? Ergasi inni Musee irraa jalqaee hangga raajootaa waa'ee isaa kitaaba Qulqulluu keessa isa barreefamee isaaniif ni ibse.***

*Odoo ma gara magaalaatti kalaa'aa jirani, Yesus, akka fago adeemuu isaaniif fakaatee, isaani garuu lafti waan dhiteef isaan wajjiin akka buluu isa cimsani waganiin. Innis isaan wajjiin turuuf murteesse. Innis yeroo irbaata nyaatan bideena fudhe galateefatee isaaniif ni keenne. Isaanis isa tu'uu isaa adda baafatan; ergasi inni ijaa isani duraa ni dhokate. Isaanis wali wajiin, yommuu kitaaba Qulqulluu dubbisuu keessi keenya dubbii isaatiin ni gubata hin turre? Isaanis tasuma ka'ani gara Yerusaalem ni dwebi'an. Achittis duka buutoonni wali wajjiin taa'ani ni argan, wanti ta'ees dhugaa akka ta'ee dubatan ni dhaga'an. Goftaan du'aa ka'ee Simoo'anitti mul'ateera ni jedhani turan. Isaanis dabalani, karaa irra maal isaaniin akka qonname, biddeenas yommu chaatan isa adda baasan beekaniin duka butoota Yesusiif ni mirkaneefatan.*

*Isaan waa'ee isaa odoo haasa'aaa jirani, inni jidduu isaani argamee,* ***" nageenyi isiniif haata'uu" isaaniin*** *jedhe.*

*Isaanis sodaadhaan hollatani akka waan abjuu arganitti isaanitti ni fakaate. Yesus maaliif sadaatani, sammuukeesaniin jonja'aa taatu? Harka koo fi milla koo ilaala. Ani isa dha! Ana tuqaa ti ilaalaa. Haafurrii foon fi lafee akka ani qabuu, hin qabuu. Kana jechaa haarka isaa fi milla isaa isaniif ni agarsisee. Gammachuu irraan kan ka'ee odoo amanuu dadhabani jirani ,Yesus, wanti nyaatamuu isin bira jiraa? jedhee isaan gaaffate. Isaanis qurxummii waadamee isatti ni keenani, isaan odoo argaa jirani ni nyaate.*

*Kuni isa ani isini wajiin jiruu isa isinitti himee dha isaaniin jedhe. Waa'ee koo isa caaffata Musee, raajota fi Faarfanna Daawiti keessa keessa barreeffamee raawwatamuu qabaa isaaniin jedhe. Isanis Kitaaba Qulqulluu akka hubachuuf danda'an sammuu isaani ni bane. Yesus akka dhubbatuu fi guyyaa sadaffaati du'aa akka kaafamuu isa barreefameedhaa isaaniin jedhe****, waa'ee qalbii jiriirachuuni fi waa'ee dhifama cubbuu, Yerusaalem irraa jalqabee namoota biyya lafaa hundumaatti ni labsama isaaniin jedhe. Isinis waa'ee kanaaf raga ni taatu.***

*Yoh 20:24 Tom kudha lamaan keessaa inni ture yeroo Yesus dhufeetti achi hin turre. Isaani immoo Yesusiin akka argan itti ni himan, innis , qaawwaa sibilaan waraannamee quba keesa kaa'ee yoo hin arginee hin amanuu jedhe.*

*Torbaan tokko booddee, odoo mana keessa wali wajjiin turani, Yesus mul'atee nageenyii isiniif haa ta'uu isaaniin jedhe. Yesus Tomaasiin, quba kee fiditi madaa koo ilaali, amani malee amanuu hin dhisinn jedhen. Tomaas immoo Goftaa koo! Jedhe. Yesus ,ati waan argiteef amantee isaan, odoo hin argiin amanan eebifamoo dhaa ittiin jedhe.*

1qor 15:20-22. Karaa cubbuu Adaamii dhaan namoonni hedduu ni du'an, garuu karaa Yesus Kristoos immoo baa'een ni fayyu.

Mul'ata 1:17-18 Hin sodaatiin ani isa jalaqabaa fi isa xumuraati, ani jiraataa dha. Du'ee ture, amma garuu ka'eera. Ani furtuu jireennaa uf haarka nan qaba. (HO.E. 4:12; 17:31; Room. 10:9,13). Waaqayyo Yesusiin du'aaf dabarsee cubbuu keenaaf jedhe keenne, immoo akka waa'ee keenya qubatuuf du'aa kaafame. Rooma 4:25.

## KUTAA SADAFFA BARUMSA 81FFA

## IRBAATA GOFTAA YESUS

## MAAT 26

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, **nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu**. Milkaa'a.

Irra caalaan keenya akkuma beeknutti, qo'anna kitaaba Qulqullee adeemsisnee keessa, macaafilee wangeelaa (Injiil) kitaaba waa'ee masihicha Yesus nutti himuu qo'annee turre. Yesus fayisaa dhugaa ilmaan Addaam hundummaa humna Sexanaa jalaa walabeessuudhaaf dhufe dha. Innis ilmaan Addaam hundumaa irraa adda dha. Inni dhubbicha Waaqayyoo bira ture, foon uffate nama ta'uu dhaan muldhate dha. Yesus, seenaan dhaloota isaa adda dha, sababiin isaas, durba dhirrii bira hin geenyee irraa waan dhalateef ture. Dalagaan inni dalagus adda dha, takaa baasa inni dalagee ennuu ilee hin dalagne. **Amalli** Yesus' adda dha, inni amala qulqulluutti waan dhalateef ture, cubbuu dalagee hin beeku. Gooftaan Yesus Sexanaafi ergamoota isaa irra humna qaba, qileensi, dhibeeni fi humni du'aa isaaf ni ajajamaaf. Akka namicha knaatti takka namni dubatee hin beeku jedhanii deebsaniif. Yoh 7:46.

Amen! Yesus Goftaan keenya seenaan dhaloota, amalli isaa barsisi isaa dalagaan isaa adda dha. Haa ta'uu malee Kunneen hundi inni waaqa irraa akka dhufee akka ta'ee beekudhaaf namoota hin gargaarre. Adama Yesus ennuu akka ta'ee hin hubanne, kanaaf isaa akka ergamaati hudhatan jechaadha. Garuu Waaqayyo inni isaan dowwa'achuuf akka dhufee hin beekne turan. Dursoonni warra yihuduuta isa walaaluu qofaa otoo hin taanee, isa ajeesudhaaf shira xaxaa turan. Barnoota keenya keessa goftaan yesus barsisoota amantaa fi seeraa jaldhinna isaanitiif of tulummaa isaanitiif akka isaan adabee agarree turre. Dubi sanaanis akka qalbii isaan hin geddarreetti agarree turre. Garuu barsisoonni seeraa isaa ajeesudhaaf waligalan. " Jesus du'u qaba!" jedhan.

Yesus magaala Yerusalemitti akka du'uu ni beeka ture, kan isaa du'aaf dabarsani keenanis farisoota akka ta'an ni beeka ture. Kanaaf baratoota isaatiif waa;ee kanaa akeekachisees ture. Warii Yihudoota warrii Roomaa isatti akka qosan, itti tufan fi reebani fanisaniif dabarsani keenaniin. Garuu inni guyyaa sadaffaatti du'aa ni kaafame. Yesus **essa** akka du'u**, haala akkamin** akka du'uu fi akka du'aa kaafamu raajuu qofaa otoo hin taane, **guyyaa** kamitti akka du'aa kaafamuu dubtee ture.

- Maat 26:1 Yesus kana hundumaa dubbatee erga raawwatee boodde, baratoota isaatiif akkana jedhe, akkuma beektanii ayyaanni faasikaa ayyaneefammuudhaaf bulti lamatuu hafeen, ili namaas fannoo dhaaf dabarfamee ni keenama.

Goftaan Yesus baratoota isaatiif wanta dubatee yaadanna? Ilmaan Addaam, ayyaanaa faasikaatti isa dabarsani du'aaf ni keennu.

Kitaaba Torah keessaa waa'ee ayyaana Faasikaa ilaalle turre. Ayyaanni kun kan ayyaaneefamuu jala qaba ji'a tokkooffa waggaa haaraa warra Yihudaatti ture. Innis ji'a Bitooteessaa fi Ebila keessa ture. Yoommuu ayyaana kana ayyaaneefatan hundaa waan Waaqayyoo bara garbuummaa isaanitti isaaniif dalagee, haala akkamitiin Museetti gargaaramee ilaallee turre, humna Fri'oon jalaa isaan akka baraares agarre turre. Qulqulluummaa isaatini fi kaayoo isaa guddaadhaaf,ilmaan haangafaa kan Gibixootaa akka ajeessees agarree turre. Haa ta'uu malee warra isatti amananiif ajajamaniif carraa hin dhabsisnee ture.

- Waaqayyoo Ilmaan Israa'eelootaaf hoolaa mudaa yookiin hirdhinna hin qabnee qalani dhaaba balbala isaanitti akka diban himee ture. " **Yommuu dhiga sana argeetti irraa nan darba" Ba'u 12:13.**

Ilmaan Israa'eelis Akkuma Waaqayyoo isaanitti agarsisee ni raawwatan, deebi isaan keenaniifis Waaqayyo ilmaan isaan angafaa baraareef. **Waaqayyo dhiga hoolaatiin isaan baraare**.

Waggaalee 1500 tiif Israa'elooni ayyaana Faasikaa ayyaaneeffachaa turan. Kunis Waqayyoo du'a iraatiif garbuummaa Fari'oon jelaa isaan isaa olchee yaada'uuf ture.

- Haata’uu malee Waaqayyo **isa durii yaada’aa** akka jiraatan hin feene ture. Garuu fakkeenya hoolaa aarsaa isa kakuu keessa isa eegeree fannoo irra du’ee biyya lfaa fayisuu akka arganiif barbaada, dinqii dha. Dhigli hoolaa Waaqayyo dhakamsa isa Warra gibxi caaluu irraa nama olcha. Abidda bara baraa irra!

Aarsaan goftaa yesus aarsaa isa qulqulummaan Waaqayyo, seerrii Waaqayyoo barbaaduu isa gutuu dha.

Waaqayyoon keenyaa ogummaa isaatiin hoolaan Faasikaa isa saba tokko qofaaf raawwatu, hoolaa caalaa kanta’ee addunyaa hundumaaf kanta’uu qopheesse, Ameen! Karoora Waaqayyo karoorseeGoftaan Yesus raawwate.

- Maat 26:1 Yesus kana hundumaa dubbatee erga raawwatee boodde, baratoota isaatiif akkana jedhe, akkuma beektanii ayyaanni faasikaa ayyaneefammuudhaaf bulti lamatuu hafeen, ilmi namaas fannoo dhaaf dabarfamee ni keenama. Laka 3, dursaan olaanaa fi gegeessaa masaraa olaanaa luba luboota maqaan isaa Qayyaaffaa jedhamu, isaan isa ajeesuu dhaaf shira xaxan. Garuu guyyaa Faasikaa ta’uu hin qabu jedhan, dubbii kana irrattis wali galuu hin dandeenye turan. Yihuda kan biyya Asqoroticha, gara wars dursootaa dhaqudhaan, ani isa dabarsee yoo isiniif keenne maal naaf keenitu? jedhe isaan gaaffate. Isaanis metim birrii 30 tilmaamamuu lakaa’ani isaaf keenan. Innis guyyaa sanaa irraa jalqabee isa dabarsee keenuudhaaf karaa barbaada ture.

Guyyaa daaboo raacitii hin qabnee nyaatamutti baratoonni, guyyaa, isa hoolaan Faasikaa wareegamuutti, baratoonni isaa Faasikaa isatti akka siif qopheesinuu barbaadaa? jedhani isa gaaffatan.

- Innis isaan keessa lamaan isaani ergudhaan, gara magaalaatti dhaqaa, fuldura keessan namni bisaan okooteedhaan baatatee ni argatan; isas dukaa adeema, abaa maa sanaanis, idnooni ani baratoota koo wajjin Faasikaa nyaadhu isa jedhe nu ergeera jedha gaaffadhaani innis iddoo midhagee qophaa’ee isiniif ni garsisa isaaniin jedhe. Barattoonni isaas gara magaalaatti adeeman, isaanis waan hundummaa akka Yesus dubateetti argatan. Isaanis ayyaana Faasikaa achitti ni qopheessan.

Yeroon irbaata Faasiikaa  nyaatan  geenyaan, Yesus ergamoota isaa wajjiin maaditti nitaa'e. Innis  dhiphinna kiyya duraa Faasikaa isiin wajjiin nyaachuudhaaf naan haawwa ture.  Dhugaa isinittan hima, hamma mootummaa Waaqayyootti raawwatan lamuu isnin wajjiin irbaata Faasikaa hin nyadhuu isaaniin jedhe.Mar 14:18. Otoo nyaataa jirani, Yesus akkana isaanii jedhe dhugaa dhugaa isiniin jedha, isin keessaa inni tokko dabarsee dinaaf ana ni keenna. Isaanis baayyee ni gaddan, tokko tokkoon isaani  anaa laata?  jechaa walii gaaffatan. Innis  immoo warra kudha amaan keessaa tokko  qodaa ittoo keessa haarka cuuphuu dha. Maar 14:20.

- Kuni hundinuu isa wangeela keessa caafamee odoo Yesus sababi aarsaa cubbuu dhaaf dhiga isaa hin loolaasiniin dura barreeffameedha. Goftaan Yesus isaan keessaa inni tokko isaa dabarsee algaatti akka keennu isaaniif himee ture. Innis Yihudaa nama biyya Asqooroti ture.
- Ilaalcha namaatiin Yihudaan nama amanamaa dha; garuu keessaa isaatiin Yihudaan hoorii dhaa fi biyya lafaa kanaatiif nama buluu ture. Kanaaf ture isa dabarsee isiniif yoo keennee maal naaf gotu? jedhee gaafateef.
- Kunis karaa raajii Zeekaariyaasiin dubatamee akka raawwatamuuf ta'e. Zech 11:12-13.
- Inni dubbiin murteessaa, dubbiin ijoo ta'ee,Maar 14:22, yommus nyaatan budeena fudhe cabsees barattoota isaatiif keenna, kun foon kooti, jedhe, irbaata boodees, xoofoo fudhe ebisee baratoota isaatiif keenne kun dhiga koo kakuu haaraati dhifama cubuutiif keenamee isaaniif jedhe… namoota baayyeetiif kan ta'u.
- Waaqayyo nuf jedhe isa cubbuu hin qabnee cubbuu godheen. 2qor 5:21.
- Dhigni Goftaa Yesus cubbuu hundumma irrani qulleessa. 1Yoh 1:7.
- Fayinni keessan kan argamee wantoota jijiramani badan keessa metifi warqidhaan meeti garuu dhiga Goftaa Yesus isa gati jabaa, hoolaa mudaa hin qabneen fayifamtan. Inni biyyi lafaa odoo hin uumaminiin dura filatame, garuu isin fayisuudhaaf gara boodeetti muldhate. 1Phex 1:18-21. Ameen.

**KUTAA SADAFFAA BARUMSAA 82 FFAA**

**GOFTAAN YESUS**

**DINOOTA ISAATIIN QABAMUU ISAA**

MAAT 26, YOH 14

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, **nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu**. Milkaa'a.

Barnoota dabree keessa waa'ee Irbaata qulqulluu barannee turre. Goftaan Yesus otoo hin du'iin dura baratoota isaa wajjiin irbaata kana nyaate ture. Goftaan Yesus isaan keesaa inni tokko du'aaf dabarsee dinoota isaatiif akka keennus wangeela keessa dhageenye ture. Akkasumas, bideenni inni isaani keennu foon isaa akka ta'ee akkasumas, wayiniin inni isaaniif keennu dhiga isaa akka ta'ee himeetti wangeela keessaa dhageenye turre. Itti fufees, kaayoon inni dhufeef dhiga isaa loolaase aarsaa cubbuu ta'uu dhaan karaa jireenya bara baraa akka qopheesse, karaan sunis isa akka ta'ee ni ilaalla.

- ✓ Haardha immoo dubbii ija ta'ee isa goftaan Yesus loltuun warra Roomaa yeroo isa qbuuf dhufee dubbatee ni ilaalla.
  Yoh 14:1 garaan keessan hin raafamin. Waaqatti amana. Anattis amana. Mana abbaa kootti iddoo baa'ee tu jira. Otoo idoon hin jiraannee ta'ee ani isinitti hin himuu ture. Idoo isiniif qopheessuu dhaaf achi nan deema. Erga pheessee boodee ana wajiin achi akka jiraatan deebi'ee isinan fudhadha. Karaa sabas isin ni beeksu.
- ✓ Tomaas deebisee yaa barsisa ati essa akka adeemtuu hin beeknuu akamitti beekuu dandeenya? Jedhe isa gaaffate. Yesusis, ani karaa, dhugaa fi jirenya dha, ana malee ennui llee abbaatti bira ga'uu hin dand'u. Dhugumaan ana yoo beektan taanaan abbaa koo ni beektu. Amma irraa jala qabdani isa beektani jirtuu isas argitani jirtu. Dubbii goftichaa kana irratti Filiphos, Yaa goftaa abaa nu agarsisti wantti hundumaa nuf ga'a. Goftaan

Filiphositti, yaa Filiphos bara kana gutuu si wajjiin otoon jiraadhu na hin beekne? Jedheen.

Maaliif akkana jettaa? Ana keessa abbaan akka jiruu anis abbaa keessa akka jiruu hin amantu? Dubiin ani sitti haasa'aa jiruu kan koo miti. Garuu kan abba isa ana keessa jiruu fi kan anatti hojatuu dha. Abaan ana keessa jiraa anis isa keessa wayita jedhu natty amani. Yookiin ragaawwan baasa ani dalageen amana.

Yoo najaallattan taanaan, abboommi koo raawwadha. Anis abbaa koo naan gaafdhaa innis goorsaa addaa isin wajjiin bara baraan jiraatu **Hafuura dhugaa** isiniif ni erga.

Biyyi lafaa isa waan hin beeknee fi hin arineef isa hin simatu. Isin garu isin wajiin waan jiruu fi isin keessa waan jiraatuuf ni beektuun. Akka ilmaan abbaa hin qabneettikophaa keessan isin hin dhisu. Gara keessan ni dhufa. Biyyi lafaa asin dura ana hin ilaalle isin garuu ana agartani jirtu. Anis isinis ni jiraatu.

Guyyaa sana ani abbaa keessa akka jiraadhu isinis anaan akka jiraatan anis isin keessa akkan jiraadhu ni qulqulleeffatu. Namni abboommi koo fudhatee hoji irra olch, inni isa ana jaallatu dha. Inni ana jaallatuus akkasumas abbaa koo ni jaallata. Anis isa nan jaalladha jaalala isaas qabus nan muldhisa.

- ✓ Goftaan Yesus garaa isaani jajabeessuu dhaan wanta ta'uuf jiruuf isaan qopheesse ture. Gargaarsaan ni dhufa! Haardha namoonni hedduu dubbii goftaan dubbatee dabsuu dhaan inninuu ergamaan gara biraa akka dhufu dubateeraa ni jedhu. Garuu dubbiin goftaan Yesus dubbatee waa'ee argamaa yookiin namoota gara biraa otoo hin taane, waa'ee afuura qulqulluu amantoota keessa turuu dha.

**Gargaarsaan sun ennuu dha?**

*Anis abbaa nan gaaffadhaa anis gargaaraa gara biraa ahuura dhugaa isin wajjiin bara baraan akka jiraatu isiniif ni erga. Afuurrii Qulwulluun abbaan maqaa kootiin erguu waan hundumaa isiniif barsisa akkasumas waan ani isiniif barsise isin akeekachisa. Yoh 14:16-26.*

Ammas dabalee gaafi gaaffachuu ni dandeenya; gargaarsaan abdachifame kun enyuu? Laata. Inni Afuura Qulqulluu dha. Waaqa irraa dhufee yesus keessa jiraatu jechu dha. Inni Afura Yesusi fi Afuura Waaqa abbaa ti.

Inni Afuura isa hin jaallatamnee gara jaallatamaati jijiruu dha. Isaan of jaallatan keessa isaani jijiiruu dhaan jaala Waaqayyoo akka ta'an taasisuu dha.

- ✓ Maat 26:30 Faarfuu faarfachaa gar tulluu ejersaatti ol ni ba'an. Isin galgala kana ana mamtani na buusuuf jirtu, ani tiksee rukutee lafaan nan dha'aa hoolonni karaa sanaas ni bitimfamu jedhamee caafameera. Maat 26:31. Garuu du'aa erga kaaafamee boodde gara galilaatti isin dursee nan deema.
- ✓ Phexiroos namoonni as jiran yoo siganan iyyuu ani si hin ganuu jedhe. Yesus ani dhuguma sitti hima, otoo inqaaqoon utuu hin iyiniin dura ala sadii na ganta isaan jedhe. Phexiroos itti fufee hamma si wajjiin du'uutti ani sin hin waakkadhu. Baratoonni gara biros akkasuma jedhan.

Yesus lafa Geta Samaanee jedhamutti baratoota isaa wajjiin ni adeeme, garas adeeme hamma kadhadhutti as turaa isaniin jedhe. Innis Phexirosii fi Ilmaan Zebdiwos isa wajiin fudhe, dhiphachuu fi raafamuujala qaban. Innis hamma du'utti keessi koo dhiphateera, as turati na ega. Achi fagaatee adda isaatiin lafatti dag gobifamee kadhachuu jalqabe. Yaa abba feedhii kee yoo ta'ee xoofoon kun ana irra haa darbu, garuu akka jaalala kee haa ta'uu malee jedhe kadhate.

Xoofoon dhiphinnaa yesus dhuguuf jiruu maal inni? Guftaan yesus ilmaan Adaam cubbuu isaani irraa fayisuudhaaf sababi rakatuuf baayyee yaada'ee ture. **Yeroon raajoonni Waaqayyoo dubatan amma ga'eera!** Namoonni waaqa fanisuuf jiruu, Waaqni isa jaallatuufi innis isa jaallatuu cbuu biyya lafaa hundumma isa iraa kaa'eera.

Kanaaf ture yesus yommuu kanadhatu, feedhiin kee haa dursuu inni jedhe kadhateef.

- ✓ Maat 26:40 yommu Yesus deebi'uu barattoonni isaa rafani turan. Sa'ati tokko iyyuu na waliin turuu hin dandeetani? Akka qormaatatti isin hin gallee ani isiniif nan kadhadha. Afuurii damaqaa dha foon ilma namaa garuu dadhabaa dha. Yesusis yeroo lammaffaaf

deemee  kadhachuu itti fufe. Xoofoo kana keessaa dhuguun dirqama yoo ta'ee, egaa feedhiin kee haa raawwatamu. Ammas **lammaffaa kadhannaa dhaaf** yommu deebi'uu ijji isaani dadhabee rafani turan. Ammas isaan irraa adeemuudhaan **yeroo sadafaatiif** waanuuma tokko irra  isaaniif kadhate.

Odoo inni dubbachaa jiruu, inni isaan kudhalamaan keessaa tokko ture yihudaan achi ga'e. Isa wajjiinis namoonni uleefi waraana uf haarkaa qaban, lubootaa fi gaggesisoota seeraatiin ergaman ol seenan.

Inni goftaa isaa dabarsee gurgurees milikitaan, inni ani isa dhungadhu isa dha jedhe isaanitti agrsise. Yihudaanis yaa gooftaa jedhee yesusiin dhungatee; Yesusis obooleessa koo wanta dalagudhaaf barbaadu dfi iti raawwadhu jedhen. Namoonnis dafani hatantamaan gara isaa dhufan yesusiin qabaniin.

- ✓ Kana irratti  inni jaala yesus ture tokko billaa isaa luqisee gurra gargaarsaa luba luboota kute. Garuu Yesus gura namichaa tuqee fayisee, nama isa gargaaruu dhaaf yaaleetti billaa kee deeffadhu, namoonni billaa luqifatan hunddii billaa dhaan dhumu jedheen. Luqa 22:50.
- ✓ Fabbaa kiyya yoon kadhadhee looltoota kumaatamaan lakkaa'am sitti fakaata? Garuu haala kanaan yoo hin taanee kitaabni akkamitti raawwatama ree?
- ✓ Billaa kee, waraanakee deeffadhuu! Maat 26:52-54.

Lubbuu koo deebisee fudhachuudhaaf  dabarsee waanan kennuuf , abbaan koo na jaallata. Humtinuu  lubbuu koo na duraa hin fudhatu  anumatu  ofii  kootiin  kenna  malee.Ani lubbuu koo  dabarsee  kennuudhaaf, ammoo  deebisee  fudhachuu dhaaf  aboo qaba; abboommi kana immoo abbaa koo biraan fudhadhe, jedhe.Yoh 10:17,18)

**KUTAA SADAFFAA BARUMSA 83FFAA**

**Jibamuu Yesus**

**Maat 26, 27; Yoh 18, 19**

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Qo'anna Macaafa Qulqulluu raawwachaa jirruu keessa raajoonni haala akamitiin kaayoo Waaqayyo ilmaan Addaam nama jalqabaa fayisuu dhaaf kaayee labsaa akka turan agarree turre.

Karorrii Waaqayyo Waa'ee fayinnaa maal ture? Innis fanifamuu kiristoos ture. Raajoonni Waaqayyo Masihichi akka du'u raagani turan; dhiga isaa warra yakamoo ta'aniif dhangalaasuu qaba jedhani raagani turan. Kanaanis akka hoolaa mudaa hin qabneetti du'ee du'a keenya nurraa fudhata.Kun immoo karaan Waaqayyo nu fayisuu isa dhumaa ture. Karaa aarsaa yesus malee fayinni gonkumaa hin argamuu jechuu dha. Karaa barnoota tarreeffama yookiin waliti fufu kanaan gara barnoota murteessaa ta'eetti kalaa'aa ni jirra. Kunis Goftaan yesus akkamitti lubbuu isaa akka aarsaa godhee ilmaan namaatiif keenne ni argina.

Brnoota torbaan laallee keessa warrii luboonni nama lafa Yesusi fi baratoonn isaa jiran isaan agarsisuu akka bitan agree turre. Isaanis akkamiin isa qabani akka rakiisan agare turre. Nama dinqsisa! Innis inni waa'ee isaa akka du'uu du'aas akka kaafamuu barreeffamee akka raawwatamuuf isaan caldhise. Isaayaas Macaafa isaa keessa Masihich akka hoolaa qala haarkifamutti akka ta'ee raajee ture. Isaa53:7.

Mee halkan dukanaatti wanta Yesus irra raawwatamee haa ilaallu:

Maar 14:53. Isaanis lafa luboonni, farisoonni fi barsisoonni seeraa walitti qabamanitti isa geessan. Pheexiros immoo fageennaan isa Hordoofaa ture. Innis waardiyyoota bira taa'ee abidda o'ifata ture.

Angoowaanbulchitoonni hunddi isa balleessuudhaaf wanta qabatama ni barbaadan ture, haa ta'uu malee waan tokkuu illee hin argannee turan. Namoonni hedduu dharaan isaa irra haa raggaasisan malee ragaan isaani wal faalleessa ture. Namoonni tokko tokko kan'ani, mana qulqullummaa kana nan digaa  guyyaa sadii keessatti immoo isa ilmaan namootiin hin ijaarramnee  nan ijaaraas yommu jedhuu dhageenyee jirra jedhani isa irra sobaan dubbi isaa jal'isani ni dubatan ture. Ammas dubbiin isaani wali hin simatuu ture. Lubni luboota  ol dhaabatee ati waa'ee kanaa hin dubbattuu? Jedhee yesussiin gaaffate. Waa'ee kee inni namoonni dubatan maal inni/ jedheen, yesus garuu waan tokko illee hin deebifnee ture. LLubni ol anaas ati ilma isaa qulqulluu dhaa? Jedhee gaaffateen. Eyyee, ilmi namaa mirga abbaa hundmaa  caaluu ta'ee ni ilaaltaas, akkasumas  dumeesaan yommuu dhufuu ni agartaa jedheen. Lubni olaanaan wayaa isaa tarsaasee, kana caalaa raga barbaannaa ree? Yommuu Waaqa arbsuu kunoo agartani jirtu, maal yaadduu ree isaaniin jedhe. Isaanis duti isaaf akka ta'uu isatti Murteessan. Isaan keessaa namoonni tokko tokko immo itti tufan. Ija isaa carqii dhaan hidhani mee raaji enyu tu si rukutee jechaa itti qosuu fufan. Waardiyyoonis isa fudhatani isa reebaa turan.

Yommu Phexiros achi ta'uu, hojjattuun Luba olaanaa nanwaa sana dhuftee, yommu phexiros abida o'ifatuu isa argitee, isheenis ati Yesus nama Naazireeti wajjiin turte, Pheexirosis, waan ati jettuu hin beekus naa hinggallee ittiin jedhe, ati nama Galilaa waan taateef, isaan keessaa tokko dha jeteen. Kakachaa nama ati jettuu gonkumaa hin beeku jedhe deebisee phexiros. Tasa Andaaqon yeroo lammaffaa  ni iyyee, phexirosis waan yesus dubatee odoo Andaaqoon hin iyiin alaadii na waakataa isa jedhe ni yaade. Inis baayyee dajii bu'ee bo'e.

Barii luboonni hundii fi geeggeesitoonni waldaa isa ajeesuudhaaf waligalan. Isaanis isa hidhudhaan dabarsani Philaaxosiif keenan. Yihudan Yesus akka hidhamee dabarfamee keenamee dhagaheetti, qarshi sodoma  lubootaafi jaarsoota sabaatiif deebise. Nama haqa dabarsisee kenuu kootti gaabeera, kuni dhimma keenyaa miti, waan kanaaf  situu itti gaafatama. Kanaaf Yihudaan hoorii sana mana qulqullummaatti dabee achi sokke. Deemees of hudhe du'e.

Yoh 18:28. Yihudooni Yesusiin Qyaaffaa irraa gara masaraa bulchiinsa Romaatti geessan. Ganama waan ta'ee fi  akkasumas sanbata waan tureef  mana mootumma seenani of xureesudhaan ayaana faasigaa irraa akka hin haafneetti ni yaadan. Kaaf Philaaxos gara isaani dhufee isaan gaafate, nama kana irra himata akkami fiddani dhuftan isaaniin jedhe. Odoo yakamaa ta'uu dhabaatee gara kee isa hinfidnuu isaan jedhani deebisaniif. Egaa isinuu isa fudhadhaati seera keesaniin itt muraa isaaniin jedhe. Nuti immoo ennuu irratti illee murudhaaf aboo hin qabnuu jedhani isaaf deebisan. Kunis kan ta'ee Yesus haala akkamiin akka du'uu isa dubatee akka raawwatamuu ture.

*Ergasssi Philaaxos Gara masaraa  isaa deebi'ee, Yesusiin waamee, ati Mooti Yihudaa dha? Jedhe gaafateen.. Ysus immoo Philaaxoosiin, Kuni gaffi keeti moo  namoota gara birootuu akka ana gaafatuu  si gaafatan? jedhe yesus isa gaafate. Isaan kan na gaafatan namoota keesani fi, luba olaa naa keesan to dabarsani anaaf si keenan jedhe philaaxos deebiseef. Ati yakka maali dalagde? Yesus immoo mootummaan koo biyya lafaa irraa miti. Otoo akana ture, looltoonni koo akka Yihudootaan hin qabamneetti ni falmuu turan. Egaa Mootummaan koo gara biraati. Philaaxos itti fufee, ati Mooti dhaa? Jedhe Yesusiin gaafate, Yesus Yommu deebisuu, eyyee Mooti ta'uu koo atuu dhugaa baate jedhe deebiseef. Lakk.37. Sababii kanaaf dhaladhee, dhugaas labsuu dhaaf gara biyya lafaa dhufe jedhe.*

*Luqaa 22:38 Philaaxos ,dhugaan maali dhaa? Jedhe gaafate. Philaaxos kana irra gara Yihuudoota lammaffaa deemee, nama kana irra wanta wa'ee baasuu isa irra hin argannee. Isaanis arii dhaaf barsisa isaatiin umata yihuudaa irra ni kakaasa jedhan. Kunoo Inni magaalaa Galilaa irraa jalqabee asiin gahee jiraa jedhan. Kana dhagahaa otoo jiruu, Yesus nama galilaa ta'uu isaa ni gaafate; innis bulchiinsa Heerodis jala ta'uu isaa eerga qulquulleesse booddee, Philaaxos, Ysusiin gara Heroodisiitti ni eergee.*

*Luq 23:8 Heroodis Yesus gara isaa akka dhufu yommu beekeetti baayee gamade, kunis waa'ee Yesus argudhaafgudisee waan hawwaa tureef. Waan dhaga'ee irraa Yesus dinqii akka dalaguu barbaade ture. Innis gaafilee heedduu isa gaafateen ture, Yesus garuu waan tokk illee isaaf hin deebifne. Luboonni olaantoonni fi barsisoonni seeraa isa himachuu dhaaf aridhaan baba'ani ijaajani turan. Heerodisii fi looltoonni isaa Yesusitti qosaa turan. Wayyaa Mootummaa ufisani*

*gara Philaaxositti isa deebisan. Guyyaa sana Heerodisi fi Philaaxos fireman, haa ta'uu malee asiin dura walii dina turan.*

*Philaaxos, luboota olaanaa, barsisoota seeraa fi ummata walitti qabe, nama kana akka yakamaa tokkotti ana bira fidani jirtuu, garuu ani isa irra wanta waa'ee baasuu isa irra hin aarginee jedhe. Kanaaf ture, Heerodis  gara koo sababi deebiseef.  Egaa akka seera keessani, guyyaa ayyaana fasikaa nama tokko isiniif ni hikama, mooti Yihuudaa isiniif hikuu? Jedhee isaan gaafate, isaanis, hin ta'uu jedhani iyan. Barbaani nuf hiki jedhani iyyan. Barbaan ajjechaani fi yakka jequmsaan himamee hidhamee ture. Egaa Yesus hoo maal ta'uu qabaa? jedhee philaaxos gaafate,* ***uummanis sagalee isaa gudisee haa fanifamuu jedhan iyyan****. Yeroo sadafaatiif ani yakka tokko illee isa irra hin arganne, namni kun yakka maali dalagee? Jedhe philaaxos gaafate. Ani isa garafee gad lakisaani isaaniin jedhe.*

*Yoh 19:1 Philaaxos isa fudhatee, garafeen. Looltoonni, qoreedhaaf keewwata mootumaa mataa isaa irra ni kaa'an. Wayaa ufisani, Yaa mooti Yihuudaa jechaa itti qosaa turan. Fula isaa kaballaadhaanis ni rukutaa turan. Philaaxos irra deebi'ee yaada jal'innaa kana akka dhisan isaan gaafate, isaan garuu haafanifamuu jedhani dabalani dabalani ni iyyan.*

*Philaaxo Yesusiin, ati nama eessaati, jdhee gaafatee, Yesus garuu waan tokko illee hin deebifneef, Philaaxos ani si fanisuudhaafi si hikuudhaaf akka aboo qabuu hin beektuu? Jedhe. Waaqa irraa yoo siif hin keennanne malee waan tokko illee godhuu hin dandeettu. Jedheen. Namni dabarsee siif keenna yakamaa cubbuu guddaa dha. Yeroo sana irraa jala qabee Philaaxos, isa galakisuuf ture, garuu sabni sagalee guddaa dhaan waan iyyeef ni sodaate. Sabni yommuuiyyi ati nama kana yoo gad lakiftee jaala qeesaarii miti jecha iyyan. Namni mootummaa ta'uu marbaaduu maqaa Qeesaari jedhu ni argata ture.*

*Maar 15:15 Saba sana gammachisuudhaaf jedhe, Philaaxosa bBarbaani gad lakisee, Yesusiin immoo fannoo dhaaf dabarsee keenne.*

*Isa 53:7. Inni rakatee dhiphateesi, garuu afaan isaa haasaa dhaaf in banne., akka hoolaa qalamuu lafa qalamuutti geeffamuu ta'ee waan tokko illee hin dubbanne.*

*Isa 50:6. Dudda koo namoota na rukutaniif, boqoo koo warra kabalaniifi areedakoo haarkisaa natti baacaniif  natty tufaniif nanan keenne.*

*Namoota isatti amaniif garuu inni mirga mucuummaa Waaqayyo isaaniif keenneera 1qor 2:8,Yoh 1:10-12.*

*Isa 53:7. Inni rakatee dhiphateesi, garuu afaan isaa haasaa dhaaf in banne., akka hoolaa qalamuu lafa qalamuutti geeffamuu ta'ee waan tokko illee hin dubbanne.*

## KUTAA SADAFFAA BARUMSA 84^FFAA

## FANIFAMUU YESUS

### Maat 27,Maar 15,Luk 23, Yoh 19

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Torbaan dabree Yihudoonni haammeenaan ka'ani Yesusiin hidhani Gara Luba olaana akka geessan dharaanis isa irra akka ragaasisan, akkasumas, gara bulchaa galila gar philaaxos akka isa fanisuuf geessan ilaalle turre. Looltoonnis, wayaa mootummaa ufisaniin, isa dhidhiibaa isa irra akka taphatan ilaalle turre. Reebani itti tufan mataa isaa gadrukutan. Ilmaan Adaam, isa qulqulluu waaqatan, goftaa ulfinnaa, isa waaqa irraa dhufe! Sabni Yesusiin reebe sun, dubbii yookiin raajii dubatamee hin beekan turan. Gama biraatiin yommuu isa reeban tuffatan, dubbii waa'ee isaa dubbatamee isa haarka yakkamtoota dhiphata isa jedhu isaan irra raawatamaa ture.

Haardha Goftaan Yesus wangeela keessa akkam akka rakatee fanifamee akka du'ee ni ilaalla. Kanaanis karoora isa waaqayyo karaa ergamoota isaatiin dubatee akka gutee ni ilaalla jechuudha.

Bara bulchinsa Romaa keessa mootummaan Romaa, adaa yakamtoota muka yookiin fannoo irra famisuu ni shaakaluu turan. Fanisuun wanta baratamee ture. Adabbin kunis fanoo jedhamee ni beekama; waan kanas, yakamaa hamaa irra ni raawwatama ture.

Nu keessa Masihi qulqulluu kana du'ee salphinnaa akkanaa akka du'uu Waaqayyo maaliif Yesusiin caldhisee? jechuu ni dandeenya. Sababiin Yesus karaa sanaan du'eef cubbuun hammam balaa akka ta'ee arsaa nama baasisuu nu barsisuuf I dha. Biyyi lafaa haammeenaan isa gutamee dha. Hundii keenya yakkamtoota, faallaa Waaqa qulqulluu isa jiraannuu dha. Cubbuu keenya

gatee tokko malee akka nuf dhisuu, Waaqayyo karaa qajeelaa ta'een raawwachuu qaba. Waaqayyo karaa hundumaan kana immoo hin raawwatu. Inni sababi qulqulluu ta'eef karaa haqaatiin cubbuu adaba jechuudha. Gatiin cubbuu immoo du'aa fi abidda bara baraati. Kanaaf gatiin cubbuu kun immoo gutumatti  ba'uu qaba. Oduun gamachisaa immoo gati kana akka nuuf baasuuf fayisaa isa qulqulluu nuf ergame. Maqaan Fayisaa sanaas Yesus Krisitosi dha. Inni sababi cubbuu keenyaaf isa nu irra dhufee, dheekamsa Waaqayyoo irraa nu olchudhaaf dhufe.

Yoh 19:1 ergasi Philaaxos Yihudotatti akka isa fanisan dabarsee keenne. Aboo isaatiif sodaatee jechu dha. Looltoonni isa ni himatan, Yesus fannoo irra fanifamuu baatatee gara lafaa buqqee mataa yookiin golgoota jedhamuu imale.

Odoo Yesusin gara lafa fannoo geggeessaa jirani, Simoon nama Qareenaa qaban, inni dhimma isaatiif yommuu deemuu, fannoo kristos isa baattachisan. Dubartoota, waa'ee yesus bo'an dabalate, namoonni heedduu isaan waajiin gara lafa Yesus fanisanitti isaan dukaa ni deeman. Yesus wajjiin yakkamtoonni lamaanis fanifamuuf qipha'ni turan. Lafa Golgootaa jedhamuu yommu ga'an, namoota yakkamtoota wajjiin isa ni fanisan. Yakamaan tokko gara mirga isaa, inni kaan immoo karra haarka bitaa isaa fanifamee ture. Yesus yaa abba, waan hojjatan waan hin beekneef yakka isaani dhisiif jedhe kadhata ture, Yakkamtoonni lamaanis, wanta ta'aa jiruu ni hordoofan ture. Inni namoota  fayisee, mee offi isaa ni fayisaa laataa? Jedhani walitti haasa'u. Dhugaati wayini itti keennaa, mee ati mooti Yihudhaa yoo taatee of olchi ni jedhu ture.

Yoh 19:19  Philaaxos fannoo irra akka maxxanfamuu barreeffama qopheesse ture. Barreefamnis, " Yesus nama Naazireeti, Mooti Yihuudha" jedha ture. Barreeffamni sunis afaan Aramaayikiin, afaan Laatiniini fi afaan Grikiin hikamee ture. Lubni olaanaan, Philaaxoosii dhaan akkana hin barreesiin, isatuu akkas jedhee malee, inni mooti Yihuudhaaa meti jedhe morme, Philaaxoonis, ani barreesse jiraa eyyee barreesse jiraa jedhe yaada isaa cimsate. Loontoonni wayaa isaa iddoo afuritti tarsaasan, inni arfafaan haala mijataa ja'een binxame. Inni haala ba'eesse ta'een waan bintaeef. Namoonni kana binxuu hin qabnuu, irratti carraa haa baasnuu wali jedhan. Kunis Daawit Karaa faarfannaa isaatiin inni raajee akka raawwatsmuuf ture. Innis akkana jedha; wayaa koo ni hiran  caraas itti ni baafatan isa jedhuu ture. Dalagaan looltoonni dalagan isa kana ture.

Luqa 23:39, Goftaa yesus wajjiin isaan fanifamee keessaa inni tokko Yesusiin arabsuu itti fufee, At Kiristoos miti? Ofi kees nus fayis? Jedheen. Yakamaan inni kaan iriyaa isaati dheekamee, amma iyyuu dhakamsa keessa odoo jirtuu iyyuu Waaqa hin sodaatu? Jedheen. Nuti gati harka keenyaa argachaa jira, namni kun garuu qukqulluu dhaa jedhe. Kana dubbatee, Yesus mootummaa keetti na yaadii jedheen. Yesus, dhuguma sin jedha, ati haardha mootummaa Waaqayyootti na wajjiin tata jedheen.

Maar 15:33 Sa'aati jahaaffaa irratti dukkanni dhufee hamma sa'aati sagalitti ni dukanaa'e. Sa'aati saglafaa irra Yesus sagalee guddaa dhaan iyyee eloohee eloohee laamaa sabaqxaani jedhe. Hikaan isaas, yaa Waaqayyo koo Yaa Waaqayyo koo maaliif nadhiiftee? jechuudha. Nmoonni achi dhaabatan, ilaa Eliyaasiin waamaa jiraa walii jedhan. Walakaan isaani immoo dhisaani mee Eliyaas gad bu'ee isa yommuu isa olchuu arginaa walii jedhan. Wanta Yesus jedhees akkasumas, waan ta'aa jiruu hin hubanne turan. Haalkan walakaa irraa jalaqabee hamma guyyaa itti anuu haamma waareetti ni gukanaa'ee. Yeroota dukkanaa'an keessa cubbuu ilmaan addaam hundumaa yesus fayisaa irra kaa'ee ture. Egaa namni isatti amanee hundii dheekamsa Waaqayyoo irraa ni olfama. Rakko iddoo keenya rakatee tilmaamuudhaaf hin danda'amuu. Baayyee guddaa waan ta'eef.

Yoh 19:28 amma wantti hundinuu ni raawwatamee, caffanni qulqullaa'oon akka raawwatamuuf, " Yesus dheeboodhee jedhe". Sagalee guddaa dhaan Yaa abbaa lubbuu koo dabarsee haarka keetti keeneeraa jedhe. Kana jedhees, hafuura isaa isa dhumaa baafate.

Maar 15:38 Golgaan mana qulqulluumaa gubbaa dhaa hanga jala isaa iddoo lamatti ni tarsa'ee. **Ajajaan achi turees waan ta'een maalalfate, dhugumaan inni ilama Waaqayyo dha jedhe**.Dubarsoonni tokko tokko fagootti wanta ta'aa jiruu ni hordoofan turan, isaan keesaas, Maariyaam ishee kan Magdalaa, Maariyaam ishee hadha Yaaqobii isa xinaa fi Yoseefi, akkasumas Solomeenis ta'ani ni hordaman turtan. Galilaa keessa isa hordoofaa waan isaaf barbaachisuun dubartoota Yesusiin gargaarani turani dha.

Yoh 19:31 Lakoofsa kana irratti guyyaan itti anuu guyyaa sanbataaf itti qiphaa'ani dha. Sababiin isaas, guyyaa sanbataatti reefi Yesus fannoo irra akka hin ollee ture; isaanis milli isaa cabee, foon isaa akka fudhataniif Philaaxoosiin gaaffatan. Looltoonni mila isa Yesus wajjiin fanifamee

mila isaa cabsani immoo gara Yesus deebi'anitti lubbuun Yesus dabree argan. Lololtoota keessaa inni tokko cinaacha Yesus albee dhaan ni waraanee, tasuma cinaacha Yesus keessaa bishaani fi dhigni ni loolaa'e. Namni achi dhaabbatees wanti raawwatamee hunddii dhugaa ta'uu isaa raga ba'ee kunis kan raawwatam, caaffata qulqullaa'oo keessa, " isaan isa waraanan ija isaanitiin ni argu.

Bodatti Yoseef namni sooreessa ta'ee foon goftaa yesus argachuudhaff Philaaxoosiin kadhate.Namni kunis duka butu Yesus dhoksaan isa hordoofuu ture, sababiin isaas, Yihuudoota waan sodaateef ture. Eyama Philaaxoosii dhaan qama Yesusi fudhate, Niqodimoosinis isa wajiin ture. Niqoimoosiin immoo, nama haalkan keessa nama Yesusiin dho'atee ture. Niqodimoos gati guddaa dhaan hadhaawwaa bitee Yesusiif ni fidee. Yoseefi fi Niqodimos reeffa Yesus urgooftuu dhaan ni midheeksan, akka seera Yihuudootaatti ni qopheessan. Idoo Yesus awwaalamuuf jirutti magarisa ture, iddoon awwaalaa qophaa'ee jiru ni argatan. Guyyaan sunis guyyaa ayyaana sanbataaf qopha'an ture.

Haalli adeemamaa jiruu baayyee nama isa gadisisuu ture, garuu, haalli jijjiramee, Yesus du'aa ka'e.

**Raawwatam!! Dhugaa dhgaa isin jedha hardha ana wajjiin janata ni taata.Luqa 23:43. Hojiin keenya nuf raawwatameera! Kan biyya laa, akkasumas, kan barabaraas Ameen!**

**Cubbuu keenya nuf baatate! Isaa 53:9.**

**Karaa isaatiin qulqulluummaa Waaqayyo akka argatan, nuf jedhe isa cubbuu godhe, 2qor 5:21. Raawwatameera! Yoh 19:30.**

***KUTAA SADAFFAA BARUMSA 85 FFAA***

***YESUS DU’AA KA’EE***

***LUQA28, MAAT 28, YOH 20***

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota isa dabree keessa, Goftaan Yesus akka dhiga isaa lolaasee agarree turre. Karaa fannoo isaatiin, cubbuu dhaloota irraa kaasee, karaa araaraas ni saaqe. Wanti hundinuu akkuma Waqayyo karoorfateetti in raawwatame. Masihichi itti qosamee, jibamee fannoo irra fanifame. Akkuma hoolan mudaa hin qabnee bakka ilma Abrhaamitti wareegameetti, Goftaan Yesus hoolaa haanqinna hin qabnee ta’ee bakka keenyatti du’e. Lubbuun isaa odoo isa keessaa hin a’iniin dura, Iyyee raawwatame! jedhe. Glanni Waaqayyoof haa ga’uu, Goftaan Yesus karoora Waaqayyo isa fayinnaa fixaan ba’e. Duni goftaa Yesus du’ee wangeela keessa odoo gammachisaa baayyee murteessa ture. Wareegamni Yesus caroorrii Waaqayyo qulqullummaa isaa wajjiin ofo wal hin faalleesiin isa nu fayisuu dha. Erga du’uun Yesus odoo dammachisaa morteessaa ta’e, mee haardha dubbii murteessa isa waa’ee Yesus du’aa kaafamee haasa’uu haadhaggeeffannu. Waaqayyoo Yesusiin du’aa kaaseen.

Goftaan Yesus erga fanifamee boodde looltoonni isa bira dhufani, cinaacha isaa albeedhaan waraanuudhaan, bishaani fi dhigni cinaacha isaa keessaa akka ba’uu taasisan. Kunis inni akka du’ee ni agrsisa . Namni soreesa ta’ee tokko reeffa Yesusi fudhatee, awwaala kattaa irraa bocmee qophaa’ee keessa isa awwaleen. Afaan balbala awwaalichaa irratti immoo dhakaan guddoo ennuu illee isa garagalchuu hin dandanyee irra kaa’an. Wanti hundinuu akkuma raajoonni waaqayyoo dubbatan ni raawwatame.

Maat 27:62,Guyyaa itti anutti, guyyaa sanbataaf qopha'anitti, Luboonni ol anaafi Farisoonni gara philaaxos ni deeman, Isaanis yaa goftaa, Yeroo dhuma lubbuudhaan ture, warri soban, guyyaa sadii keessa du'aa ni ka'aa yommu jedhan dhageenyeera, egaa iddoon awwaala hanga guyaa sadii akka egammuu ajaji, kana yoo hin goonee taanaan, baratoonni isaa reeffa isaahaatani, ka'eera ni jedhu. Inni booddee irra ta'uu isa jalqabaa irraa ni haamaata. Philaaxosis, namoota eegan fudhadha, akkuma isin beektan raawwadha.

Maat 28:1 Sanbani erga dabree jalqaba torbaan isa jalqabaatti, Maariyaam Ishee kan biyya Magalaa fi Maariyaam isheen gara biro iddoo awwaalaa dow'achuudhaaf bari deeman. Ergamaan Waaqayyo gad bu'ee dhakaa guddaa sana waan garagalcheef kirkira lafaa isa guddaan raawwatamee ture. Hojjaan isaa akka balaqisaa bakakaa yommu fakkatuu, wayaan isaa immoo akka cabbie ni aaddaata ture. Namni iddoo sana eegaa ture soda irraa kan ka'ee akka nama du'ee fakaatee kufe.

Yommu dubartoonni lafa awwaalaa dhaqaban, dhakaan inni guddaan ganga'aee argan.Luq 24:2. Garuu reeffa goftaa Yesus achitti hin arginee turan. Wanta ta'ee odoo maalalfataa jirani, namoonni lamaan wayaa akka balqisa bakakaa fakaatuu isaan bira dhaabbatani ni argan. Sodaa keesa odoojirani adda isaanitiin gombifamani jara sanaaf ni sagadan, jarri lamaan sunis, jiraataa du'aa keessa maaliif barbaaddu? Inni as hin jiru! Du'aa kaafameera jedhan. Yeroo magaala Galilaatti isiin wajjin jiruu waan isinitti himee yaadadha! Inmi namaa hardha cubamootaatti dabarfamee ni keenama, ni fanifamaas, guyyaa sadaffaattis du'aa ni kaafama. Isaanis dubbii inni isaanitti dubbatee ni yaadatan. Isaanis dafani lafa awwaalaa keessaa hatantamaan ni ba'an, waan isaan argan hundumaa warra kudha tokkootti fi warra garabiroo hundumaaf ni labsan.*Isaan garuu waan dubartoonni dubatan akka waan waa'ee hin baafneetti fudhataniif itti hin amannee turan. Yoh 20:9. Garuu Pheexiros lafaa ka'ee gara lafa awwaalaatti ni figee, innis gad gombifamee yommu ilaalu, wayaa itti maramee jirbii talbaa irraa isa ojatamee ni arge. Wanta argeen maalalfataa achi ni ba'e.Guyaadhuma sana, isaan keessa lamaan gara magaalaa Emaahus ishee magaalaa Yerusalem irraa kilometer 10 fagatuttui ni imalani turan. Isaanis wali wajjiin wanta ta'ee haasawaa turan. Odoma isaan haasawaa turan, Ysus isan jidduu ni argame. Isaan garuu isa akka ta'ee adda hin baafanne turan.*

*Innis isin waa'ee maali haasawaa turatan? isannin jedhe, isaan garuu haamma ammaatti morma isaani ol hin qabne turan, isaan keessaa Qala'oophaa jedhamuu Yesusiin, ati nama magaala Yerusaalem do'atuu qofaa dhaa? wanta ta'an hundumaa quba hin qabdu? jedhe Yesusin gaafate.*

*Yesus maal to ta'ee jedhe isaan gaafate. Waa'ee Yesus nam Nazreeti, jedhani deebisani fi. Inni Raaji turee, dubbii dhaani fi hojii dhaanis Waaqaa fi fuldura namoota hundumaatti jabaa ture. Luboonni olaa fi geeggesitoonni seeraa du'aaf dabarsani isa keenan, isaanis isa fanifan. Nutis inni Israa'eeliin ni walaboomsa jennee abdannee turre jedhani isatti ni himan, wanni gara biraa maal tu jira ree kunoo inni erga du'ee bulti sadii guteeraani kunoo. Kana malees, dubartata keenya keessaa immoo nun maalafachisan. Isaanis barii gara iddoo awwaalaa ni deemani turan, garuu reefi isaa achitti hin argamne turan. Dubartoonnis ergamaa Waaqayyoo biraa dhufee, inni akka du'aa ka'ee nuti himee muldhataan agarreera nun jedhan. Isaan garuu isa hin argineen jedhan. Obooloni tokko tokko gara iddoo awwaala dhaqani waanan dubartoonni dubbatan dhugaa akka turee ni mirkaneefatan jedhani turan. Yesus immoo waan raajoonni dursani dubbatan amanuudhaaf hamman wallaaltoota, isin hammam amanuudhaaf harkifamoo dha!* ***Kristoos dhiphinna sanneen keessa dabree gara ulfinnaa seenuu hin qabuu ree? Ergasi inni Musee irraa jalqaee hangga raajootaa waa'ee isaa kitaaba Qulqulluu keessa isa barreefamee isaaniif ni ibse.***

*Odoo ma gara magaalaatti kalaa'aa jirani, Yesus, akka fago adeemuu isaaniif fakaatee, isaani garuu lafti waan dhiteef isaan wajjiin akka buluu isa cimsani waganiin. Innis isaan wajjiin turuuf murteesse. Innis yeroo irbaata nyaatan bideena fudhe galateefatee isaaniif ni keenne. Isaanis isa tu'uu isaa adda baafatan; ergasi inni ijaa isani duraa ni dhokate. Isaanis wali wajiin, yommuu kitaaba Qulqulluu dubbisuu keessi keenya dubbii isaatiin ni gubata hin turre? Isaanis tasuma ka'ani gara Yerusaalem ni dwebi'an. Achittis duka buutoonni wali wajjiin taa'ani ni argan, wanti ta'ees dhugaa akka ta'ee dubatan ni dhaga'an. Goftaan du'aa ka'ee Simoo'anitti mul'ateera ni jedhani turan. Isaanis dabalani, karaa irra maal isaaniin akka qonname, biddeenas yommu chaatan isa adda baasan beekaniin duka butoota Yesusiif ni mirkaneefatan.*

*Isaan waa'ee isaa odoo haasa'aaa jirani, inni jidduu isaani argamee,* **" nageenyi isiniif haata'uu" isaaniin** *jedhe.*

*Isaanis sodaadhaan hollatani akka waan abjuu arganitti isaanitti ni fakaate. Yesus maaliif sadaatani, sammuukeesaniin jonja'aa taatu? Harka koo fi milla koo ilaala. Ani isa dha! Ana tuqaa ti ilaalaa. Haafurrii foon fi lafee akka ani qabuu, hin qabuu. Kana jechaa haarka isaa fi milla isaa isaniif ni agarsisee. Gammachuu irraan kan ka'ee odoo amanuu dadhabani jirani ,Yesus, wanti nyaatamuu isin bira jiraa? jedhee isaan gaaffate. Isaanis qurxummii waadamee isatti ni keenani, isaan odoo argaa jirani ni nyaate.*

*Kuni isa ani isini wajiin jiruu isa isinitti himee dha isaaniin jedhe. Waa'ee koo isa caaffata Musee, raajota fi Faarfanna Daawiti keessa keessa barreeffamee raawwatamuu qabaa isaaniin jedhe. Isanis Kitaaba Qulqulluu akka hubachuuf danda'an sammuu isaani ni bane. Yesus akka dhubbatuu fi guyyaa sadaffaati du'aa akka kaafamuu isa barreefameedhaa isaaniin jedhe***, waa'ee qalbii jiriirachuuni fi waa'ee dhifama cubbuu, Yerusaalem irraa jalqabee namoota biyya lafaa hundumaatti ni labsama isaaniin jedhe. Isinis waa'ee kanaaf raga ni taatu.***

*Yoh 20:24 Tom kudha lamaan keessaa inni ture yeroo Yesus dhufeetti achi hin turre. Isaani immoo Yesusiin akka argan itti ni himan, innis , qaawwaa sibilaan waraannamee quba keesa kaa'ee yoo hin arginee hin amanuu jedhe.*

*Torbaan tokko booddee, odoo mana keessa wali wajjiin turani, Yesus mul'atee nageenyii isiniif haa ta'uu isaaniin jedhe. Yesus Tomaasiin, quba kee fiditi madaa koo ilaali, amani malee amanuu hin dhisinn jedhen. Tomaas immoo Goftaa koo! Jedhe. Yesus ,ati waan argiteef amantee isaan, odoo hin argiin amanan eebifamoo dhaa ittiin jedhe.*

1qor 15:20-22. Karaa cubbuu Adaamii dhaan namoonni hedduu ni du'an, garuu karaa Yesus Kristoos immoo baa'een ni fayyu.

Mul'ata 1:17-18 Hin sodaatiin ani isa jalaqabaa fi isa xumuraati, ani jiraataa dha. Du'ee ture, amma garuu ka'eera. Ani furtuu jireennaa uf haarka nan qaba. (HO.E. 4:12; 17:31; Room. 10:9,13). Waaqayyo Yesusiin du'aaf dabarsee cubbuu keenaaf jedhe keenne, immoo akka waa'ee keenya qubatuuf du'aa kaafame. Rooma 4:25.

## KUTAA SADAFFAA KARAA HAQA BARUMSA 86^FFAA

## Jesus Gara Samii mirga abbaatti ol ba'uu isaa

**Maatt28; Luqa 24; HO.E 1**

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Kitaabaa isa waa'ee fayisaa hundumaa danda'uu ilaaluudhaan yeroo dheeraa fudhannee jirra. Yesus Jechuun fayisaa jechuudha. Kiristoya jechuun afaan Grikiidhaan "isa Waaqayyoon mudamee jechuudha." Yesus isa Waaqayyo ilmaan Adaam balaa cubbuu irraa baraaruudhaaf nude dha.

Haata'uu malee biyyii lafaa Yesus eennuu akka ta'ee hn hubanneeni turan. Namoonnii tokko tokko akka raajitti isa fudhatu, kana jechuun Sadalee dhugaa ta'uu isaa hun beeknee jechuudha,afaan Arabaatiin ( Kaalimaat Allah) jechama. Yesus Samii dha nama ta'ee dhufee . Abootiin angoo kan akka luba olaantootaa fi dursoonni Yihudoota, hinaaffaa dhaan ka'ani isaa fanisani ajjeessan. Haa ta'uu malee kuni hunddii argaa Waaqayyoo duraa dhoksaa hin turre. Fanifamuun Goftaa Yesus karoora Waaqayyoo dursee isaa karaa raajoota isaatiin himamee ture. Barnoota barannee darbinee keessa Waaqayyoo guyyaa sadaffaatti Yesusiin akka du'aa kaasees agarree turre. Du'aa ka'uun Yesus akeeka Waaqayyoo karaa dhiga goftaa Yesusittiin ilmaan Adaam abidda bara baraa irraa isa fayisuu ni mirkaneessa jechuudha.

Du'aa eerga kaafamee booddee Goftaan Yesus duka butoota isaatiif akka muldhatee, haarka isaati fi milla isaa isa sibilaan waraannamee isaanitti agarsisee. Akka lubbuu dhaan jiruus isaaniif mirkaneesuu dhaaf isaaniif dubisee; Wangeela keessa guyyoota 40 isaanitti mul'dhata akka isaaniin waa'ee mootummaa Waaqaa barsisaa akka ture ni ilaalla. Haala tokko irratti goftaan Yesus du'aa eerga ka'ee booddee namoota dhibba shani ol ta'aniiif akka muldhatee 1qor 15:6

irra ni ilaalla. Radaan inni guddaan Yesus du'aa akka ka'ee mirkaneesuu haafuraan amantoota wajjiin jiraachuu isaati fi aboo isaatiif akka bulan godhuu isaati.

Haardha gargaarsa Waaqayyootiin aboo ol anaa Waaqayyo Yesusiif keeneefi Yesusis baratoota isaatii angoo kana keenna akka gara Waaqaaatti ol ba'ee ni ilaalla.

Maat 28:16 Eergasi duka butoonni Yesus kudhatokko gara tulluu ol ba'aa jedhee isaanitti himee, gara biyya galilaatti ol ni ba'an. Yommuu isa ilaalan, sagadaniif; haata'uu malee isaan keessaa garri tokko immoo shakkaniin ture. Lakka.18. Yesusis gara isaani dhufee, aboon hundii lafaraatii fi ol Waaqa irratti naaf keenamaniiru. Eegaa dhaqaa biyya lafaa hundumaa duka butoota koo godha, maqaa abbaatti kan ilmaatti, kan haafura qulqullutti isaan cuphaa, waanan isin abboomee hundumaas akka raawwatan isaan barisa, hamma dhuma lafaatti ani isin wajiniinan jira.

Waan Yesus dubatee dhaggeeffatani? "Aboon hundii lafa iraatii fi Samii irratti naaf keenameera." Kanaaf dhaqaa biyya lafaa hundumaa duka butoota koo godha. Yesus maaliif angoon Waaqa irratii fi lafa irratti naaf keenamee jedhe?

Qo'annaa keenya isa seera uumamaa keessa, waa'ee uumala lalaqabaaa Adam ilaallee turre. Waaqayyoo seenaa sana keessa Adaamii dhaaf uumama hundda irra aboo keeneef akka ture agarre turre. Akeekni Waaqayyos Addaama isa Wajjiin akka jiraatuu ture,Waaqa wajiin akka hojatuu ture, garuu Addaam abboommi isa Waaqayyo isaaf keenee digee muka isa mishaa fi badaa beeksisuu irraa nyaate.

Adaaf abaabilee keenya waan ta'eef nutis isa wajjiin aboo nuf keenamee dhabneerra. Mamaaksi Senegaal " Dhibeen daddarbuu namicha isa dhibee fidee irra hin turu." Cubbuutti dhalannee, cubbuu irraa dhalachuu irraa kan ka'ee Waaqa irraa fagaannee, ulfinna Waaqaa dhabneerra.

Galanni Waaqayyoof haata'uu, kitaabileen Raajootaa karoora Waaqayyo isaa balbala cubbuu dhaan cufamee, karaa Yesusitiin carraan isa gara Waaqaatti geessuu banameera. Balballi sunis Yesus isa sababi cubbuu irraa kan ka'ee isa warreegamee Yesusi dha.

Kitaabilee barreeffamaniif galannii Waaqayyoof Haa ta'uu, kitaabileen sunneen jaalala Waaqayyo isa ilmaan Addaamiif qopheessee nutty agarsisan. Kitaabileen raajootaa jechuudha.

Yesus akka Adama qoratamee ture garuu cubbuu hin hojjanne. Inni akka Waaqaa qulqulluu dha. Kanaaf ture Waaqayyoo Yesusiin ilma koo jedhe waamudhaaf hin saalfanneef.

Namoonni baa'een Yesus goftaa hundumaa Yoo ta'ee maaliif biyyi lafaa haala haamaataatiin rakataa ree? Jedhani ni gaafatu.

*Karaa Addaamitiin namoonni baa'een akkuma du'ani, Karaa Yesusiin immoo hundii ni fayyu.,Goftaan Yesus ija jalqabaan, namoota kan isaa ta'aniitti yommuu deebi'uu, hunddii gati isaa ni argata. Inni yommuu angoo abbaaf deebisuu, angoo fi humna hundumaa ni balleessa, achuumaanis dhuma biyya lafaa ni ta'a.( 2qor 15:22-24). Imimmaa hundumaa ija irraa ni haxaa'a. Si achi du'a yookiin imimmaan yookiin iyya yookiin dhibeen hin ta'u. Seerri mofaan darbeera21:4.*

Dubbii Waaqayyoo irratti , Waaqayyo aboo hundumaa Yesussitti akka keennee innis abbaa firdii akka t'ee ni ilaalla. Garuu hamma ammaatti jirdiin hin raawwatamne. Ameen ala tokko yesus biyya lafaatti ni dhufa. Angoo hundumaaa yommu dhunfatuu waan hundummaa haaraa ni godha.

Ati eennuu illee taanaan haala kami iyyuu keessa yoo taa'ee. Waaqayyoo qalbii kee akka geedaratuu si barbaada, fayina karaa goftaa Yesus qophaa'eetti akka amanttus si barbaada. Yoo amantee cubbuu kee hundummaa siif ni dhisaa, maqaa Yesussiinis fi humna Haafuura qulquluu dhaan quonnee isaani ni qulleessa, Isatti yoo amanttee inni gara kee dhufee lubbuu kee keessa mootummaa isaa ni godha. Hammaa inni qaamaan firdiidhaaf dhufuutti biyya lafaa hin jijjiiruu; garuu haala keenya ni jijjiira. Waa'ee kanaaf atiif ati haala kee jijjiiree si keessa mootummaa isaa akka ijaaruu eeyyamtaa ree?

Kanaafnuti carraa Waaqayyoo Yesus kiristos eergu dhaan nuf keennee xinneessuu hin qabnu.

*Goftaan Yesus adidaa nama gubuun samii irraa ni muldhata. Isaan Waaqa hin beeknee fi Wangeela didan ni adaba. Guyyaa inni ulfinaan dhufuutti, isaan isa waakatan ni barbadaa'uu, argamuu ulfinna Waaqayyoo irraas ni fageeffamu.2 Thes 1:7-10.*

*Yaa firoota koo dubbiin Waaqayyo ifa dha. Isaan warra fannoo goftaatti, du'aa ka'uu isaatti dhugaa dhaan amanan hundummaa badii bara baraa irraa ni olcha. Kan hin ammannee*

*hundinuu itti ni murama. Dhigni Yesus kan dhangala'ee cubbuu kee hundumaa sirraa kaasuufi dha.*

*Waaqayyoo akkasitti tokicha ilma isaa hamma keennuutti biyya lafaa jaallate; Kun immoo isatti Kan amanuu hundinuu jireenya Bara baraa haa qabaatuuf malee haa baruufi miti.Yoh 3:16, 18.*

HOE 1:4, lafa tokkootti Yesus barattoota isaa wajjiin nyaatutti, abboommi kana isaanitti keenne; hamma abdiin isiniif karaa abbaatiin abdachifamee isa isnin dhagahaa jirtan, raawwatamuutti magaalaa Yerusaalem keessaa hin ba'ina. Yohanis cuuphaan bishaaniin cuuphee, yeroo muraasa booddee isin Haafuura qulqulluudhaan ni cuuphamtan.

Dursinee wangeela Yohanis 14-16 keessa Waaqayyoo abbaan Hafuura Qulqulluu eerguudhaaf akka abdachisee agarree turre. Haafuurrii qulqulluun inni gorsaan, onnee isaani keessa akka jiraatuu, isaan akka qulleessuu, akka isaan haareessuu, akka isaan jabeessuu, fi gara dhugaa hundumaa akka isaan qajeelchuu agarreerra. Kanaaf barattoonni isaa Yerusaalemitti akka turan isaan yaadachisee.

Eegaa fedhii Waaqayyo yoo ta'ee, Haafuurrii qulqulluun akkuma Yesus abdachisee Haafuurrii qulqulluun isaan gutuudhaaf akka bu'ee ni ilaalla.

HOE 1:6, yommuu baratoonni isaa walitti qabamanitti, yaa Goftaa ati Yeroo kanatti mootummaa kee Yerusaalemitti ni deebiftaa? Jedhani isa gaaffatan:

*Guyyaa yeroo fi isa abbaan angoo isaatiin murteessee beekun isiniif hin keenamnee, garuubHaafuurrii wulwulluun isini irra dhufuutti humna ni argattuu, isinis, Yerusaalem irraa jalaqabdani Yihudaa fi Samaariyaa hangga haandaara lafaa raga koo ni taatu.*

Lakka.9, Kana eerga jedhee booddee argaa isaani dura fudhatamees, dumeesis isa dhuksee ture. Haamma namoonni wayaa adii ufatan dhufanitti, cimsani haawwii dhaan ol ilaala turan. Nmoonni lamaan sunis, Yaa isin namoota Galilaanan, maaliif asitti dhaabatani jirtu? Inni argaa keessanitti gar samitti ol ba'ee akkuma kana argaa keessanitti ni gara lafaatti deebi'a.

Guyyaa deebi'uu hunddii isa ni argaa, fayisaa fi abbaa firdii ta'uu isaa ni ilaala.

Fili 2:5-6, Yaada garaa isa Kiristos Yesus qaba ture qabaadha! Inni biffa Waaqayyummaattiin utuma jiruu, ulfinna Waaqayyumaa isa abbaa isaa wajjiin wal isa qixxeessuu wanta qabatanii itti hafanitti hin lakkoofne. Inni ulfinna sana gad dhisee, akka waan, waan tokkotti hin gallee illee of godhe; bifa garbummaa ni fudhate; fakkaatti namummaatiin ni dhalate, waan hundumaanis nama ta'ee argame.

***Inni odoo argaa jirtani isin duraa gara samitti fudhatamee, haaluma isin argitan kanatti ni deebia. HOE 1:11.***

# *KUTAA SADAFFAA BARUMSAA 87[FFA]*

***DHUFUU HAAFUURA QULQULLU***

***HOE 1,2***

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoottan gabaabinaan ilaallee dabrinee keessa raawwatamuu raajilee Waaqayyoo isa waa'ee du'aa fi du'aa ka'uu yesus dubbataman ilaallee turre. Fanifamuunis goftaa Yesus gati cubbuutiif dhiga dhangala'ee dhiga ilmaan Adaam hundumaa walabeessuu dha. Yesus, eerga du'ee booddee akka awwaalame, haata'uu malee guyyaa sadaffaatti du'aa kaafamee, innis eergasi baratoota isaatiif akka uf ibsee, kunis wanti waa'ee isaa dubatamee hundii dhugaa akka ta'ee mirkaneesuuf ture. Barnoota torbaan ilaallee keessa imoo odoo barattoonni isaa argaa jirani,Yesus akka gara Samiitti ol ba'ee argineerra.

Goftaan Yesus odoo gara Waaqaatti ol hin bar'iin dura wanta baratoota isaa abboomee Yaadataa?

**HOE 1:4,** abboommiin goftaan isaaniif ajajee, magaala Yerusaalem keessa hin ba'ina. Isa jedhuu ture. Yohaanis cuuphaan bishaaniin cuuphee ture, yeroo muraasa booda isin, haafura qulqulluudhaan ni cuuphamtan; yeroo Haafuurri qulqulluun isin irra du'uu humna argatan, isinis, Yerusaalem, Yihudaa, fi Samaariiyaatti haanggaa haandaara biyya lafaa raga koo ni taatu.

Lakka.9. Kana eerga dubbatee booddee, odoo isaan argaa jirani gara Samitti ol fudhatamee, yaadaanis ol odoo ilaala jirani, tasa namoonni lamaan wayaa addii uufatan gara isaani kalaa'ani; isin wara galilaa nana, gara Samii ilaalati maaliif dhaaabbattu? Yesus isa odooma argaa jirtanii gara samii fudhatamee haaluma kanaan gara biyya lafaatti ni deebi'a.

Yesus isa baratoota isaa wajjiin ture sun gara Janata deemee, mirga Waaqa hundumaa caalus ni taa'e. Amma iyyuu achi jiraa, guyyaa tokko dhufee dhugaani fi haqaan ni farada.

Haamma Haafuura qulqulluu uffatanitti Yerusaalemitti akka turan isaan abboome. Nu keessaa namooni tokko tokko Haafurri qulqulluun eennuu jnnee gaaffachuu ni dandany? Haafuurrii qulqulluun Haafuura Waaqayyootii fi Haafuura Yesusiti. Inni Waaqa abbaa wajjinii fi Waaqa ilma wajjiin qixxee dha. Garuu amala dhunffaa isaa ni qaba.

Jala qabaa Waaqayyo wajjiin ture, Haafuurri qulqulluun, raajoon waa'ee sagalee Waaqayyo akka labsani fi barreessan isa godhe dha. Haafuurrii qulqulluun Maariyaam durba irra bu'ee akka yesusiin deessuu godhee dha. Haafuurrii qulqulluun Haafuura Yesus Irra ture, gorsaa isa Yesus duka butoota isaatiif waadaa seenee ture.

*Ani abbaa nan gaaffadha, innis gortsaa bara baraan isin wajjiin jiraatu haafuura dhugaa isiniif ni eerga. Waan isaa arguudhaaf hin dandeenyeef biyyii lafaa isaa hin fudhatu. Isin keessa waan jiruu fi isiin wajjiinis jiraatuuf isin isa ni beektan.Yoh 14:16-17.*

*Goftaan Yesus baratoota isaatiif abdifachammun iddoo kanatti, baayyee murteessaa dhaa sababiin isaas, namoonni tokkoo tokko raajiin gara biraa akka dhufuu Yesus labseera jedhani waan mormaniif ture. Waa'ee Muhaamadii dubbata ni jedhu. Ni gargaarsaan dhufuuf jiruu nama miti; Haafuura eennuu illee isa arguuf hin dandeenyee jechuudha. Inni amantoota wajjiin bara baraan ni jiraata.*

*Kanaaf Haafuurrii qulqulluun eennuu? Haafuurrii qulqulluun Haafuura Waaqayyo amantoota Yesusitti amanani keessa kaa'ee dha. Innis isaan ni jijiira; isaaniin ni qulleessa; isaaniin ni jabeessa, akkasumas kan isaa ta'ani akka jiraatan rgamuu isaa bara baraan isaaniif ni hira.*

*Haardha kan itti fufnee ilaalluu, guyyaa Pheenxee qosxee, Waaqayyo haafuura isaa isaan irra akkamiin akka eergee ni ilaalla. Guyyaan Phenxee qosxee ayyaana Waaqayyoon bara raajii Musee jalqabee ture. Kunis kitaaba Musee keessa barreeffamee jira jechuudha. Guyaa kanatti Israa'eloonni, omisha midhaani galfataniif Waaqa isaani ni galateffatu turan. Garuu guyyaa phenxee qosxeedhaaf hikaan kanaa ol ni keenamaaf; Pheenxee qosxeen guyyaa Waaqayyo dursee Haafuurrii Waaqayyoo namoota Yesusitti amanan hundda wajjiin akka jiraatuuf bu'uu*

*filateedha. Ayyaanni Faasikaan erga ayyaaneefamme bulti 50 booda, akumaa abdachifameetti ayyaanni pheenxee qosxee ni raawwatame; kanaaf buli 50 mooddee, Yesus masihichi du'ee eerga du'aa ka'ee Waaqayyo Haafuura qulqulluu ergudhaaf karoorfatee jechuudha.*

Goftaan Yesus gara samitti erga ol deemee boodde maaltu ta'ee?

HOE 1:12, baratoonni Yesusi tulluu eejeersaa isa jedhamuu irraa gara Yerusaalemitti ni deebi'an innis adeemsa guyyaa sanbataati, akka dhundhuma kuma lama fagaata ture. Achis yommu ga'an, mana keessa turan kutaa ol anaati turan. Warra turan keessaas, Pheexiros, Yohaanis, Yaaqob, Indriyaasi fo Tomaas. Bartalamiwosi fi Maatiwos, Yaaqob ilma Ilfiwos fi Simoon isa Hinaaffa fi Yihudaa isa ilma Yaaqob turan. Isaanis, dubartootaa fi Mariyaam haadha Yesus wajjiini fi oboolaa isaa dabalatee kadhannaa walitti fufuuf achitti walitti qabamani turan.

HOE 2:1 guyyaan Pheenxee qosxee dhufeetti hunddii isaanii iddoo tokkotti turan. Tasa sagaleen akkaa qileensaa guddaa bubisutti Waaqa irraa dhufee bana keessa jiran ni gutee. Isaanis arrabni abiddaa gara gara jiruu isaan tokko tokko isaani irratti ni bu'an.Hunddii isaanis Haafuura qulqulluudhaan ni guttaman,akka Haafuurrii qulqulluunis isaan keeneetti afaan haaraatiin ni dubbatan. Achittis Yihuudoonni Waaqa sodaatan biyya hundumaa irraa ni turan, isaanis sagalicha sana ni dhaggeeffatan, isaanis kun maal inni jedhani ni walgaaffatan, maaliif hundii isaani afaan isaanitiin wanta dubbatamuu waan dhaggeefataniif turan..

Dhugumaan maalalfatani, hundii isaan afaan Galilaa isa dubbatani miti ree? Eegaa akamiin namni hunddii afaan isaatiin dhaga'uu danda'aa ree? HOE 2:7.

Lakka.14, Eergassi Pheexiros isaan kudhalamaan wajjiin dhaabbattee, sagalee isaa ol hudhee uumatatti dubatee, Yaa firoota Yihuudootaa fi hundi keessan jiraatoota Mgaala Yerusaalem, wanta ani isinitti ibsuu nadhagahaa, namoonni isin argitan kun wanta macheessuu hin dhugnee, sa'aatine amma ganama keessaa sa'aati sadiidha. Akka isin yaaddani miti, wanti kun akkuma raajii Iyo'eeliin dubatamee dha. Guyyaa gara dhumaatti akkana ni ta'aa jedhe Waaqayyoo foon qabeessa hunduumaaf haafuura koo nan keenna , ilmaan keessaniif intloonni keessan raajii ni dubbatu;, dargagoonni keessan mul'ata ni argu, maanguddoonni keessanis abjuu ni abjo'atu. Lakka. 21 Maqaa Gooftaa kan Waaqammatu hundinuu immmoo ni oola' jedhe. Lakka.23 Namni kun karooraa fi beekamti Yaaqayyootiin isiniif dabarfamee keename, karaa namoota

cubbamoota akka  keessaniin dabarfamee fannoo dhaaf keename. Garuu Waaqayyo  hammeenna du'aa  irraa isa hikee , kunis duti isa gad qabuu dhaaf hin dandeenyee.

Lakka. 25, Daawit faarfataan, faaruu isaa keessa " Ani yeroo hundumaa Waaqayyoon fuldura kootti nan arga, in gara mirga kooti, kanaaf ani hin raafamuu. Garaan koo gammachuudhaan, arrabni koo immoo ilillee dhaan gutameera, keesi koosi abdiidhaan ni jiraata; kunis ati si'ooli keessa na dhiftuu, qulqulicha kees akka shamuu hin gotu.

Yaa oboolotaa Daawiti du'ee shameera, awwaalli isaas, ni aargama, garuu inni raajii Waan tureef, Waaqayyo waan isaaf kakatee, nama maati isaaf akka kaasuu ni yaadata.

*Lakka 36.  Israa'el hunddii kana haa beekuu, Gooftaa Yesus isin fanniftan, Gooftaa fi isa Mudamee Kiristos godheeni.*

*Namoonni achi turan yommu kana dhaga'an, of gad deebisani, Pheexirosii fi duka buutota gara birootiif akkana jedhan, aboolota koo  eegaa maal haa goonuu ree? Pheexiros, qalbii keessan geedaradha, tokko tokkoon keesani  dhifama cubbuudhaaf maqaa gooftaa Yesusitiin cuuphama, keennaa Haafuura qulquullus ni argatuu. Abidiin keenamees dhaloota hundumaaf.*

*Walumaa galatti labsi Pheexiross yommu ilaalutti, namoota Yerusaalemiif  ni labsee, Waaqayyo Masihicha, Yesus akuma  raajoota  isaatiin waadaa seeneetti ni eergeen. Isin garuu isa Samii irraa dhufee ni tuffatan. Fannoo irra fanisuudhaan isa ajjeestan;Waaqyyo garuu du'aa isa kaase. Hundii keenyaa waa'ee kanaatiif raga dha.*

Raajonni hunddii waa;ee isaa raga ni ba'u; namnii isatti amanuu hunddii maqaa isaatiin dhifama cubbuu ni argatu. HEO 10:43.

Namoonni achi jiran, labsi Pheexiros dubbateen tuqaman, qalbii isaanis ni geedaratan, gara Waaqayyos ni deebi'an. Namoonni haaraa bishaaniin ni cuuphaman.

Waldaan gooftaanis guyyaa sana ni jalqabamtee, HEO 2:42. Cubuu keenaaf ni rakatee, ni madaa'ees Isaa 53:5. Kanaaf waldaan maati Adaami gara Maati Kiristositti ni jijjiraman jechudha.

Namni isaa fanisee Waaqayyo garuu isa du’aa kaasee, fayisaa fi abbaa firdii isa hin amannee irratti isa godhe mude.

Kanaaf Yesus si’iif eennuu laata? Eegaa yeroon si jalaa odoo hin sokiniin dura, carraa siif keenameen gargaaramiti, gara ulfinnaa kootu. Inni ulfinnaaf si waame malee salphinnaaf si hin waamne. Ho jii kee hundumaa siif waan raawwateef gati malee si fayisuuf ni jira. Ameen.

# KUTAA SADAFFAA BARUMSA 88 FFAA

# YESUS DEEBI'EE NIDHUFA

# MULDH 19-22

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota Sagalee Waaqayyo walitti fufu itti adeemaa jirruu kanatti, amma kutaa 88ffaa irra geenyee ni jirra. Baroottan dhibbaan lakaa'aman dabran dheeraa keessa kitaabileemacaafa isa duraa bareesudhaaf Haafuurri qulqulluun raajoota 30 tti gargaramee akka ture agarree ni jirra. Kitaabileen sunneenis Torhaa macaafa Musee, Faarfanna fi Kitaaba raajotaa dha jechuu dha.

Kitaabileen kunneenis Kakuu Moofaa jedhamani ni beekaman. Eergaan isaanis, Waaqayyo qulqulluu dha, kanaaf inni cubbamoota hundumaatti ni faradaa isa jedhu uf keessaa qaban. Gama biraatiin Waaqayyo Waaqa aaraaraanitii fi jaalalaan guttamee waan ta'eef ilmaan Adaami cubbuu dhaan akka badan hin feedhu. Kana irraan kan ka'ee Waaqayyo karaa raajoota isaatiin isaa kakatee, fayisaa durba irraa dhaltee, aarsaa ta'u dhaan dhala namaa fayisuu dhaaf fanifamee akka raawwatee agarree ni jirra. Raajoonni kakuu moofaa hunddii isaani masihichi akka dhufuu raagani turan jechuu dha.

Kutaan inni lammafaa kitaaba qulqulluu Kakuun Haaraa, yeroon inni Waaqayyo dubatee ga'uutti, masihicha, isa biyya lafaa fayisuu, akkuma raajootaan dubbatee ta'ee jechuu dha. Innis Masihicha Yesus nama Nazireeti qulqulluu isa bara baraan jiraatu dha. Inni gutumatti sagalee Waaqayyooti, dubi Waaqayyo qaama namaatti. Kuni ilma kooti isa ani jaalladhu, kan isatti gamaduu dha. Maat 3:17. Garuu sabni isaa fanisee isa ni ajjeese. Odoo namoonni isa argaa jirani Waaqayyoo gara samitti isa ulfeesse. Kana irratti waa'ee fayinnaa Yeroo ilaalluu, Karaan fayinna, falqaba qabaa, dhuma qabaas. Biyyi lafaa garuu dhuma Yesus hin arginee ture. Kitaabni Qulqulluun akka nutti himutti , Gooftaan Yesus sexanaa fi ergamoota isaa hamaa balleessu fi

akkasumas, garba abidaa keessa isaan darbuudhaaf, akkasumas, ilmaan Adaam isaan fyiduu Yesus didanitti faradudhaaf deebi'ee ni dhufa. Kanaaf matadureen barnoota keenya kan hadhaa "Yesus deei'ee ni dhufaa" isa jedhu dha.

Kutaan macaafa Qulqulluu kan dubisuuf jirruu, kakuu haaraa keessa macaafa muldhataa ta'a. Macaafni Mul'ata Yohnis, macaafaa guddaa dhaa, sababiin isaas, bara dhuma biyya lafaa irra ta'an waan dubbatuuf dha. Mul'anni Yohanis booqonnaalee 22 uf keessaa ni qaba; isaanis dhuma irratti amantoonni mo'annaa argatan ni labsan. Akkasumas, booqonaaleen kuneen, isaan gooftaa ganan irratti dheekamsi Waaqayyo akka bu'uu ni dubbatan. Hoolaa Waaqayyoo fudhachuu yoo diddan, leenca Waaqayyoo qonamtan; kunis Yesus akka hoolaa Waaqayyo ta'ee aarsaa ta'ee, amma garuu leencca Waaqayyo ta'ee ni deebi'a. Gad anaa fakaatee dhufee ture, amma garuu, Mooti uulfaataa ta'ee ni deebi'a.

Gooftichi ibidda boob'aa wajjiin ni mul'ata; gaafas warra Waaqayyoon beekuu hin barbaadin, warra wangeela gooftaa keenya Yesusiif hi aboomaminis ni adaba. 2 Tnese 1:7-8.

Gooftaan Yesus gara Samii eerga deeme booddee, eergamaa isaa gara yohaanis ni eergee; bara dhumaatti wantoota ta'uuf jiran isaaf akka ibsan ture.

Mul'ata 1: Mul'ata gooftaa keenya Yesus Kiristos isaan dafani raawwataman, isa garbicha isaaf agarsisuu; eergamaa isaa gara yohanis eergee agarsiseen. Waa'ee dubbii Waaqayyooti fi waa'ee Yesus waan argeee hundumaa isa raga ba'uu dha. Dubilee raajii inni dubisee eebifamaa dha, akkasumas, isaani dhaggeefatani akka bareefameetti amanan eebifamoo dha, sababiin isaas yeroon waan ga'eef., Isa ka turee, ka jiraatuu biraa ayyaani fi nageenyi iainiif haa ta'uu;Ani yohaanis, isa jiraataa, kan deebi'ee dhufuu fi haa fuuroota torba teessoo isaa irraa kana isiniif barreesse. Isa nu jaallatee, dhiga isaatiin nu walaboomsee, isaaf akka hojjannuuf,mootootaa fi Luboootа nu taasisee, uulfinaa fi humni isaaf bara baraan haa ta'u. Ameen! Dumeessa keessa yommuu dhufuu, namoonnihunddii isaa ni argan, akkasumas, namoonni isa waraananis isa ni argu. Sababii isaatiif namoonni biyya lafaa hunddii ni boo'uuf. Nuuf haa ta'u! Ameen. Ani Alfaa fi omeegaa dha; isa jala qabaa fi dhuma.

Mul'ata 19:1 Kana boodde tuuta baa'ee sagalee guddaa dhaan waaqa keessa huursu nan argee ; innis Haallee luyyaa! Fayyinni guddiinn! Angoon kan Waaqayyooti. Firdiin isaa dhugaa,

qajeelaas waan ta’eef inni ejjituu guddittii ishee haalalummaa isheetiin biyya lafaa balleesite sanatti faradeera…. Lakka.6 kana booddee immoo wanta akka sagalee tuuta baa’ee kan akka huursaa bishaan baa’ee fi gungurummii qaqawwee humna qabeessaa tokko nan dhaga’e; innis Haalee luyaa! Gooftaan keenya Waaqayyoo inni hundumaa danda’uu ni mo’a. Mootummaan biyya lafaa mootumma Waaqa keenyaa ni ta’a, Kiristoos bara baraan ni moo’a.Mul’ata 11:5.

Lakka.11.Sammiin nadura banamee, achittis farada adii fula dura kootti ni ture. Inni isa yaabatus amanamaa fi dhugaa ni jedhama. Haqanis faradee waraana hara ni gageessa. Ijjii isaa abidda booba’uu ni fakaatu. Mataa isaa irrattis waan akka gonfoo baay’ee tu ture. Maqaa isa malee hin beekamnee isa irra barreefameera ture. Uffata dhiiga uuphamee tokko uffateera, maqaan isaas sagalee Waaqayyo ni jedhama.Lakka 14. Looltoonni Waaqa keessaa immoo uffata quncce talbbaa adii fi qulqullaa’aa uffatanii fardeen adaadii irra taa’anii isa duukaa ni bu’an. Afaan isaa keessaas billaa qaramaa isa inni ittiin saba waaqayyo warra hin ta’in rukutuuf ba’e. Inni ofii isaati iddoo cunfaa waynii dheekamsa sodaachisaa, isa Waaqayyo hundumaa danda’uu dhidhiituf jira. Inni ofii isaatii saba sana Siiqee siibilaatiin ni tiksa. Lakka.16. Wayaa isaa irratti, gudeeda isaa irrattis maqaan , “ Mootii moototaa gooftaa gooftotaas” jeedhu caafameera.

Mul’ata 20:1 Eergamaan tokko bantuu lafa gad fuuncaa guddaas of haarkaa qabuu tokko waaqa keessaa gad bu’uu isaa nan arge. Lakka.2. Inni bineensa akka jawwee, bofa bara durii, Diiyaabiloos Seexana sana qabee, waggaa kuma tokkoof ni hidhe. Waggaan kumni sun hamma raawwtamutti, akka inni deebi’ee saba biyya lafaa hin walaalchifnetti, iddoo isa lafa jalaa sanatti darbatee, balbala itti cufee mallattoo itti godhe; isa booddee garuu yeroo muraasaaf gad dhiifamuun ni ta’aaf.

Baroonni kumaatamni yeroo raawwatamuu seexanni hidhaa isaa irraa ni hikkama. Innis moggaa arfaniin biyya lafaa, namoota joorsisuudhaaf ni ba’a. Lakka. 10. Namoonni Seexanaan sobaman, iddoo Seexanaafi jawweedhaaf qophaa’eetti garba ibidda boba’utti ni darbaman.

Eergasi teesuma adii if isa isa irratti taa’ee nan arge. Ardinii fi bantti Waaqa isaan jalaa ni baqatan,.. Lafa Eennuu illee maqaan isaa galmee bara baraa irraa hin caafamne hunddii garba abiddaa keessa ni darbaman.

Mul’ata 21:1  Samii haaraa fi Ardii haaraa nan  arge; inni jajaqabaa hunddii dabreera…. Sagalee guddaa waaqa keessaaa nan dhaga’ee …iddoon jireennaa Waaqayyoo namoota gidduu dha innis isaan wajjiin ni jiraata. Isaanis kan isaaa qopha ni ta’uu, Waaqayyoonis waaqa isaani ni ta’a. ….. Si achi duti hin jiruu, eennuu illee yoo deebootee ani gati malee bishaan isaaf nan keenna.

Mul’ata 22:1  Itti fufee, eergamaan laga bishaani qulqullaa’aa akka dhakaa adii natty agarsise, innis teessoo Waaqayyoo irraatii fi Hoolaa Waaqayyo irraa burqee magaalatti keessa ni yaa’a. gamaaf gamana lagichaa irra muka jireennaa isa  ija omishee kudhala jira ji’aan mu’uu ni qaban. Teessoon Waaqayyoo fi Hoolicha magaalatti keessa waan ta’eef Si achi abaarsi hin jiru.

Mul’ata 22:12  Yesus ani dafee nan dhufa gati koo ana wajjiin ni jira, nam hundumaaf akka dlagaa isaan nan keenaaf. Ani Alfaa fi Omeegaa dha, isa jalqabaa fi isa dhumaati. Isaan wayaa isaani micani muka irrraas nyaacuudhaaf mirga argatan fi magaalatti keessa galuudhaaf mirga argatan eebifamoo dha.

Ani Kiristoos raga isiniif keenuu dhaaf eergamaa koo waldaa kiristiyaanaaf eergeeni jira.

Ani hiddaa fi sanyii Daawiti dha ibsaa urjii barii dha. Haafuurrii fi Misiroon akkana jedhu, Kootuu! Namnii dhaga’ees kootuu haa jedhu. Namnii dheeboote haadhuguu, eennuu illee yoo beela’ee  gati malee fudhatee haadhuguu haa nyaatu.

*Lakka. 20. Inni wantoota sanneen irratti raga ba’ee, eeyyee ani dafaan ni dhufa jedh.Ameen. Gooftaa yesus dafii  Kootu. Ayaanni  Gooftaa Yesus saba isaatiif haa ta’u.*

Waaqayyoo kitaaba guddaa kana keessa, Gooftaa Yesus isa Waaqayyo waadaa seene, garuu ilmaan Addaam fanisan ulfinaan dhufuu isaa labsuu dhaan ni golaba.

Me waan tokko uf haa gaafannuu, ati, ani aqaan koo galmee bara baraa irra barreefameera laata? Tokkuummaan isa wajjiin qabduu maal fakkaataa laata? Inni fsyisaa kee ta’eera ? yookiin immoo amanuu diduu keeti irraan kan ka’ee inni siti faraduuf jiraa laata?

Deebi’ee dhufuu Yesus simachuudhaaf qophoftee jirtaa? Wangeela warra dukanaa keessa jiraniif labsuu dhaan, garaa agarsisuu dhaan jechuu dha. Isa siif keenamee, keenuudhaan, akkana jechuun, isa fudhattee wajjiin akka hin dunee jechuu dha. Kuni nama gaafachisa jechuudha.

Yos immoo nuyi fayinna guddaa akkasii isa gooftaan ofii isaatii jalaqabatti dubatee tuffannee, attamitti isa jalaa baana ree? Warri isa dhaga'an immo dubbii kana nuuf cimsaniiru. Ibroota 2:3.

**Gooftaan Yesus akkana jedha: ani dafee nan dhufa. Mul'ata 22:20.**

**KUTAA ARFAFFAA GUDUUNFFAA KARAAN HAQA BARUMSA 89^FFAA^**

## ODUU GAMACHUU!!

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Barnoota kitaaba Kakuu haaraa keessa, Afan Araabaatiin injiil, oduu gamachuu, du'aa erga ka'ee boodde baratoota isaa deemaa jedhee yommu aboomuu ni ilaalla.Maar 16:15. Yesus gara Samii erga deemee booddee, Phaawulos jedhamuu, isa hinaaffaa amantaa yihuudootaatiin qabamee ni ilaalla.

*Phaawulos, Waaqayyo eergamaa isaa akka ta'uu fi oduu gammachisaakana akka labsuuf na waamee jedha. Karaa raajoota issatiinis, waa'ee kana dursee akeekachisee ture. Oduu gamachuu kanatti hin saalfdhu, inni, namoota amanan hundumaaf humna Waaqayyooti;Rooma 1:1,2,16,17.*

Oduu gammachuu jechuun maal jechuu dha? Kakuun haaraa irra deeddeebi'ee dubatuu maal jechuu dha? Oduu gamachisaa odoo hin ilaaliniin dura, oduun gamachisaa hin taanee isa kamii laata?

Oduun gammachuu hin taanee yommu ilaallu, Waaqayyo nama jalqabaa uumee, lafa Ganati afaan Arabaatiin Jenat jedhamuuti, isaaf akka jiraatan, lafa sana akka kunuunsan, irrattu immo, Muka isa mishaa ta'ee fi isa mishaa hin taane adda baasuu akka hin nyaannee isaan aboomee boodatti nyaatani, oduu namatti hin tolleetti seenani, ganati keessaa baafaman, qullaa isaani ta'uu isaani baran, tokkummaa uumaa isaanii wajjiin qaban ni dhaban. Waaqa dhaga'uu dhisani Seexan dhaga'uu ni filatan.

*Ib 9:27,Yih 15. Namni al tokko du'ee eergasi itti ni murama… Waaqayyoo nsmoota hundumaa irra faraduudhaaf ni dhufa, warra haammeenna dalagani irratti immoo akka dalagaa isaanitti ni murama; akka dubbii haammeenna afaan isaan isa faallaa Waaqayyootti dubbatan ni faradama.*

*Walumaa galatti oduun gadisisaan karaa cubbuu Adaamii raan kan ka'ee nuti hundii keenya ilmaan firdii ta'uu keenya.*Eegaa oduun gamachuunis, odoo Ganati keessa, ture, seexanni akka mataan isaa rukutamuu, kan isa rulutamuus durbaa irraa dhalatee, gadda karaa daddarbuu seera irraa isa ka'ee abaarsa dhufee, ilmii durba irraa dhaltuun kaafamuu isaati. Cubbuun keenya isa irratti kufee jechuu dha. Oduun gamachisaan sunis, guyyaa Adaami fi Haawwaan kufanitti labsame.

Dhufa Masihicha akka labsan Waaqayyo namoota hedduutti gargaaramee tureera. Tokkoon tokkon raajoonni waa'ee isaa labsani jiruu, Namoonnis, isa raajoonn dubatan isa akka ta'ee ni beekus. Fakeenyaaf Raajichi Isaayaas Masihichi haala akamitiin akka dhalatu dubate ture, Ilmii nuf dhalateera ilmia nuf keenameera Maqaan isaas Amaamuel ni jedhama (Maat 1:23.Isa 7:14). Akkasumas, Raajiin Mikiyaasiin Masihichii Magaalaa Beteliheemitti akka dhalatuu raajee ture. Mik 2:5. Dhalachuu isaa qofaa hin turre, akka dhiphatus raajoonni dubatani turan. Daawiti du'uu isaaqofaa hin raagnee garuu du'aa ka'uu isaas raajee ture. Namoonnii tokko tokko Masihicha inni eergee yommuu namoonni isa dhiphisan, maaliif akka cal jedhee hin hubatan. Waaqayyo nu jaallata, kanaaf immoo iddoo keenyatti akka aarsaa cubbuu ta'ee rakatuu isa caljedheeni. Isa 53:10. Waaqyyo " isa ani dhiphisee sana caccabsuun jaalala koo ni ta'e; inni lubbuu isaa aarsaa sababii yakkaatiif dhi'aatu godhee yoo dhi'eesse, sanyii isaa arguuf jira. Jabiinni isaas ni dheerataaf. Jaalalli koos karaa isaa ni raawwatama;

Raajii kana wanta isaan dubatamee ni amanttaa laata? Yoo waanta isaan dubatan amannee taanaan, wanta isaan barreesanis amanuu qabdan jechuudha. Isaan raajoonni dhugaa miraa isaaniti hin dubatan, waan Waaqa irraa dhagahan dubatan male. Isaan wanta barreessan, wanta raajan wayita didnuutti, waaqa diduu keenya jechuu dha. Inni Waaqa haqa waan ta'eef cubbuu dirqamaan adamuu qaba, akkasumas immoo cubamoota ni jaallata, kanaaf, humna isaa kana, jaalala isaa kana ibsuu dhaaf, goftaa Yesus cubbuu hinqabnee gaaffi cuubamootaa fi muursii isaa jaalala Waaqayyo akka ibsuuf wareegame jechuudha. Aarsaa qulqulluu fi isa dhumaa jechuu dha. Ameen! Yoh 19:30. Raawwatam!! Al tokko yeroo hundumaaf. Nu irraa kan eegamuu

amanuu qofaa dha. Oduun gamachuu karaa du'aa fi du'aa kaafamuu yesusiin argamuu humna Waaqayyo isa fayinna namaaf keennuu dha. Rooma 1:16.

Namoonni baayeen kun seenaa namootaan uumamee waan ta'ee itti hin amannuu ni jedhu. Yeroo kitaaba Qulqulluu gad fageenaan illuutti immoo wanti dubatamee hundinuu karaa yesus Kiristosiin raawwatameera. Dhalachuu isaa, du'uun isaa, du'aa ka'uu isaa fi gara samitti ol ba'uun isaa hunddii raawwatameera. Akka Kitaaba qulqulluutti bareeffameetti, bu'ee du'aas guyyaa sadaffaattis du'aa ni kaafame. 1qor 15:3-4.

Isaan isa jiban, itti qosan, dararaniin, booddeetti immoo ajeesaniin, isaan isaa jaallatan garuu isa awwaalan. Garuu duti isa gad qabuu hin dandeenyee. Guyyaa sadaffaatti dubartoonni iddoo awwaalaa dowwa'achuu dhaaf deeman, ka'uu isaa ni argan. Kana raga ni ba'an, awwaallii duwwaa dha! Bulti afurtamaaf baratoota isaatiif ni mul'tee, akkasumas, du'aa eerga kaafamee booddee, namoota dhibba shanii caalaa ta'aniif ni mul'ate. Yesus du'a moo'uun isaa dhugaa ture. Du'aa ka'uun Yesusis, aarsaa ilmaan namaa hundummaa fayisuu waaqayyo akka fudhatee mirkaneesse. Kanaaf eennuu illee kan isatti amanuu jireenya bara baraa akka argatuu karaan bara baraa ni baname.

Yesus cubbuu biyya lafaa baleessuudhaaf dhalatee, seenaan inni jedhuu oduu gamachisaa dha. Kayoon, odoo gamachhuu kanaa, namoota isatti amanan hundumaa fayisuufi dha. Egaa ati kana ni amantaa ree? Macaafni Qulqulluun, guyyaan fayinna amma! Ni jedha. Yommuu dubbicha dhageesuu garaa kee hin jabeesiin! Amani! Fayinni bu'aa dalagaa keenyaani isa argamuu miti. Ennuu illee dadhabbii isaatiin Genatitti seenuu hin danda'u. Dalagaaleen kan akka soma fi sagadaan si gamachisuu ni danda'uu, garuu qulqulluumaa Waaqayyoo qubsuu, gaaffi Waaqayyo deebi'uu barbaaduuf qubsaa ta'uu hin danda'an.Walumaa galatti karaa Jennataa tokko dha.

1. Cubbamaa ta'uu keetiifi Waaqa gammachisuudhaaf humna akka hin qabneetti beaki.
2. Yesus sababi cubbuu keetiif akka du'ee, Waaqayyos inni fannoo irra akka du'ee du'aa si'olcheetti amani.

   Kana hundumaatti yoo amanttee, mootummaa Waaqaa dhaaluu keef shakkii tokko illee hin qabduu jechuudha. 1Yoh 5:9-13.

> Isin warrii ba’aan isinitti uulfaatee hunddii gara koo kottaa ani ba’aa keesan isin irraa nan kaasaa. Maat 11:28.

Ennuu illee Kiristoosiin yoo ta’ee inni uumama haaraa dha, inni moofaan dabree jira 2Qor 5:17.

Ba’aa qabduu fi cubbuutti yoo sodaattee Kitaabnii ol anaan, akkana jedha, inni moofaan dabreera.

Waaqayyoo kan nu fayisee, jireenya haqaa akka jiraanuu fi , wanta hojjannu hundumaa akka feedhii isaa akka hojjanuufi dha. Kunis mul’achuu masihichaatiin dhugaa ta’e, innis isa du’a balleesse jireenyii akka dhuffu karaa wangeelaan gohe dha. 2ximo 1:9-10. Ameen!

## KUTAA ARFAFFAA BARUMSA 90FFAA

### GAAFILEE ILMAAN NAMAAF:

### DEEBIIN WAAQAYYO.

## GAREE TOKKOFFAA

**Nageenyii daanggaa hinqabnee isiniif haa baayyatuu!**Michoota dhaggeeffattoota keeyya maqaa Waaqa hundumaa oliitiin , Waaqa nagahaa , Waaqa karaa haqa arjummaa isaatiin qopheessee ilmaan namaa dhugaa kana akka beekaniifi ajajamanis gargaaruufi isa wajjiinis bara baraan jaalalaan fi nagahan akka jiraatan isa godhun ulfinna onnee keessaa maddeen nagaa! Siniin Jenna!!

Waaqayyo karaa kitaabilee moofaa fi Haaraatiin nuf keef maqaan isaa haa galateefamu. Haardha kan itti fufnee ilaalluu gaafilee garaa garaa karaa adda addaatiin gaaffatamani ilaalla. Gaafilee kanas kan hubannuu karaa kitaaba qulqulluutiin ta'a. Dubbiin kee milla kootiif ifa dhaa, karaa kootiif immoo ibsaa dha. Faar 119:105.

1. Gaaffiin inni tokkoffaa, warri wwa'ee karaa haqa barsisuu maalitti aman?

Baroota dheeraan dura waaqayyoo dhugaa akka beeloofnutti keessa keenya kaa'e. Dhugaa Waaqayyo kana arggachuudhaaf karaa dhunffaa kenyaan kitaaba quqlqulluu beekudhaaf baayye dadhabneera ture. Kitaaba guddaa kana keessaa immoo Yesus Kiristos fayisaa biyya lafaa hundumaa akka ta'ee ni beekne. Kanaaf Yesus takkaa kan isa hin fakkaannee aarsaa isa dhumaat. Inni daanddii isa gara Waaqayyootti nama geessuu isa dhuffaati.

Eegaa nuti enyuu laat? Nuti duka butoota gooftaa yesusiti. Qur'aanni. Ahl al-kitaab nun jedha, akkana jechuun immoo, "uumata kitaabaa" jechuu dha. Namoonni gara biro immoo, Kiristiyaanoota nun jedha, amantoota amantaa Kiristiyaana. Asi irratti waan isiniif yaadachisuudhaaf barbaannuu, namoonni heedduu ofii isaanitiin Kiristiyaana jedhani ni fudhatu, akkana jechuun immoo isaan hordooftoota Kiristosi dhaa jechuu miti. Akkuma qurxummiin bishaan keessa gad lixee seenutti haamma isaan akka Kiristoos jiraateetti hin jiraaneetti

hordooftoota isaa ta'uu hin danda'an. Karaa Kiristoos wanta nuf barbaachisuu hundumaa nuf keenameera.

2. Quraana keessaa Muhaamaad, kitaabilee raajootaa fi wangeelaa Muslimoonni akka amanan dubateera, garuu sababi kitaabni qulqulluun jiriirameef ani amanuu hin danda'uu jedhani ni gaaffatuu.

Gaaffii kanaaf deebi odoo hin keeniniin dura, eennuu akka isaa jijiiree, yoom akka jijiiree, eennuu akka jjiirees, isatti akka jijiiree quba qabdaa? Raga qabdaa laata?

Dhugaa kana yoo bira ga'uuf barbaadde, irra caalaa Waaqayyo akkamitti dubbii isaa akka ammeenna irraa olchee nu hubata malee akka jiriiramee wanta ibsu hin argatu. Gama biraatiin amantaan Islaamaa odoo hin dhufiniin dura kitaabnii Qulqulluun waan brreeffameef ture jechuudha.

Haardha Magaaloota gurguddoo biyya lafaa keessa baruuleen duri kan kitaaba qulqullu kufamani ni argaman jechuudha. Kitaabileen Kuneenis, odoo Muhaamad hin dhalatiniin dura lafa jiran jechuu dha. Isaan bara durii keessa haarkaan barreeffaman, isa amma jiruu wajjiin tokko dha jechuu dha. Raajoonni dhaamsa Waaqayyo irraa argatan, googaa gaalaa irratti fi quncee mukaa irraa isa hojjatam irratti ture. Haaluma wal fakaatuun, Kitaabileen kakuu moofaa Kiristos odoo hin dhalatiniin dura waggaa dhibaatamaan lakaa'amuu dursan isaan turani dha.

Eergamoota Kiristositti anani, hayyoon, Kitaaba quqlulluu, afaan isa jalaqaba itti barreeffamee irraa jechuunis afaan Hibruu, Greeka fi Afaan Aramaaikii iraa gara afaan garaa garaatti hikuu itti hufan. Maqaa afaan heedduutti waan jijiirameef Kitaaba qulqulluu altokkoott jijiiruun hin danda'amu. Waaqayyo kitaabni kun namoota hundumaaf akka ga'uuf afaan heedutti akka hikkammu ni godhe jechuudha. Waqayyo hundummaa danda'uu sagalee isaa seexana irra fi isaan jijiiruudhaaf barbaadan irraa olchuu danda'a? Eyyee, ni danda'aa olcheeraas. Waan tokko irratti damaquu qabna, Jalqaba uumamaa irraa jalqabee seexanni dubbii Waaqayyo sammuu namootaa keessa balleessuudhaaf falmaa jira. Fakkeenyaaf Waaqayyo, Adaamii dhaan guyya ija kana irraa nyaateeti dhugumaan ni dutaa jedheeni ture, garuu seexanni dhufee, Adaamitti… hin dutuu ittiin jedheen. Isaan garuu dubbii seexanaa dhaggeeffachuudhaan nyatani Sobaman. Seexanni abbaa sobaati, burqaa sobaati. Yeroo hundumaa Seexanni namoon karaan sobamaniif

duubbii Waaqayyo yoo dhisan akka ta’ee waan bareef, Jijiirameeraa jedhee gurra isaanitti ni haasaasa. Dubbiin Waaqayyo, waan macaafni jedhuus hin diggamu.Yoh 10:35. Waaqni fi aardiin ni dabruu, garuu dubbiin Waaqayyo bara baraan ni jiraata. Maat 24:35.

3. Namoonni tokko tokko Yesusiin ilma Waaqayyo maaliif jedhani isa waamamaniin laata? Waaqayyo haadha warraa qabaa? Jedhani ni gaaffatu. Egaa akkam ta’ee Yesus ilmaWaaqayyo ta’uu danda’a?

Jalaqabatti ilmoo jedhee kan isa waamee Waaqayyo dhalee nuti isa jedhe miti. Ilma Waaqyyo jannee yeroo waamnuu, Waaqayyo hadha warraa qaba jechuu dha miti.AKuma argudhaaf yaalleetti, Yesus Kiristos Kitaaba Qulqulluu keessa maqaalee dhibbaan lakaa’aman ni qaba. Maqaaleen sunneenis isa akka hubannuu nu gargaaru. Fakkeenyaaf, balbala jedhama kaarra; kana jechuun, Yesus balbala muka irraa bocamee yookiin balabala sibila irraa tumamee hojjatamee miti. Akkasumas, bideena jireennaa ni jadhama. Kana jechuun Yesus foon isaa ni nyaatama jechu miti. Raajoonni WaaqayyooMasihicha hoolaa Waaqayyo jedhani ni waamaniin. Ammas akkana jechuun, hoolaa marga dheeduudha jechuu miti. Waaqayyos yommuu ilma isa jedhu, haadha warraa fudhee isa dhalchee jechuu akka ta’e hubatamuu ni qaba. Waaqayyo akka uumama isaa waan hin taaneef jechuudha. Akkas yaaduuni fuldura Waaqayyotti aarbsoo dha. Ani amma, biyya Itiyoophiyaa dhisee gara biyya gara biraatti yoon sokkee namoonni ilma Itiyoopphiyaa naan jedhu. Sababiin isaas ani Itiyoophiiyaatti waanan dhalapheef jechuudha. Akkana jechuun Itiyoophiyaan haadha warraa fudhee nah in dhalchinee jechuudha. Yesus abbaa fooni hin qabuu. Inni dursee dhalateera. Maariiyaamiin dursee tureera. Maariyaam yommuu isa deessuu dubra turte. Waaqayyoonii fi eergamoonni Yesusiin ilma Waaqayyo jedhani waamaniin ture. Inni sagalee Waaqayyo dha. Kaalimaat Allah.

Yoh 1:14,18. Jalabatti dubbii Waaqayyotu ture, dubiinis Waaqayyo wajjiin ture, dubbiinis Waaqayyo ture. Dubiin Waaqayyoos foon ta’e, namoota jidduu jiraate. Ulfinna isa tokko kan isa tokko agarreera, innis ayaanaafi dhugaa ufatee, abbaa biraa ni dhufe, abbaa isa akka inni beekamuugodhe!

Dubbichi haala namaatiin mul’atee, Yesus Kiristoos ilma barabaraa kan Waaqayyooti. Sagalee yookiin dubbiin Waaqayyo maal inni? Deebiin keenya, Kitaaba HaafuuraQulqulluudhaan

barreefamee jeennee deebisuu ni dandeenya. Dubbiin Waaqayyo fakeenya xalayaatti Waaqa birraa raajootaan dhufee sagalee Waaqayyo dha.

Eegaa Iriyaan kee inni biyya fagoo jiruu, yoo dhufee si doww'atee feeta moo, xalayaa haarka nmootaatti yoo siif eergee siif wayya? Waaqayyo sagaleen isaa foon uffatee nu jidduu deeddeebi'ee akka nu doow'atuu gara biyya laffa eergeeni. Innis rakkatee, faniifamee aarsaa cubbuu ta'ee nuuf wareegamee jecjuudha.Ameen inn amanamaa dha.

Ib 1:1-3 Baroota durii keessa Waaqayyo abooti keenyaaf karaa raajootaan yeroo baa'ee, haala baa'eetiin dubbate, garuu amma bara dhumaa kana keessa karaa ilma isaatiin nutty dubbatee, innis waan hundumaa isa dhaalee fi karaa isaatiin gutuummaa biyya lafaa uumeedha. Ifni ulfinna Waaqayyo isa irraa ni calaqqisa, Waaqayyo akuma jiruutti isaan ni mul'ata; dubbii isaa isa humna qabeessaanis waan uumamee ni baata. Inni cubbuutti qulleeffamuu erga argachiisee booddee, ol gubbaa mirga isa surra- qabeessa dhaqee ni taa'e.

Waaqayyoo dhoksaa kana dirqamaan beeku qabdaa hin jedhu, inninuu nuf ibsa malee, galanni isaaf haa ta'u. Daawiti fisi dhugaa kana akka barreessuu isatuu ibseef;

Faar 2:11,12. Sodaadhaan Waaqayyoof hojjadhaa! Rooma'aanis milla isaa dhungadha! Kanaa achi inni ni dheekanaa! Isisnis karaa kanatti baduu keessan; dheekamsi isaa dafee ni boba'ao! Warri isatti kooluu galan haa gamadan.

Yoh 20:30,31.Kitaaba kana keess isaan hin barreeffamnee, Gooftaan Yesus duka butoota isaa dura baasaa fi diinqii garaa garaa ni dalage. Garuu isin amantani akka fayitaniif kuneen isiniif bareeffamani jiruu.

Yoh 3:36. Ennuu illee ilmatti yoo amanee jireenya bara baraa ni argata, amantaan sunis isaan jireenya akka argatan isin ni godha.

1phexi 1:24,25.

Namoonni hundinuu akka margaati, ulfinni isaa hundis akka abaaboo lafaati, abaaboon suni ni haarca'a sagaleen Waaqayyo garuu bara baraan ni jiraata.

## BARUMSA 91^FFAA

## GAAFII ILMA NAMAA;

## DEEBII WAAQAYYO;

## GAREE 2

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a. Haardhas mataduree karaa Haqa jedhu kan itti fufnu ta'a.

Haardha itti fufnee kan ilaalluu gaafii isa dhaggeeffattoonnii yeroo baayyee gaaffatani ta'a. jechuu dha. Yeroo baayyee karaa meessajii dhaan yookiin karaa bilbila gaafiin keessan nu bira ni dhufa. Otoo jala hin qabiniin duraa wanta tokko isiniif ibsuuf barbaanna. Yoommuu gaafii isiniif deebisuudhaaf yaalluu ogummaa keenyatti yookiin ogummaa namoota gara biro irratti undoofne miti, dubbii Waaqayyo irra hundoofneeti male. Nuti gaafilee keessan ni deebisna miti, garuu Waaqayyo Kitaaba Qulqulluu keessa deebisa gaafi keessaniif nuf keenna. Kitaabni Qulqulluun dubbii jiraataa dha humna hojjatus uf keessaa qaba, billaa gar lamaan qarame caalaa qara qaba, inni lubbuu fi hafuura, buusaa fi dhuka gargar ni baasa yaadaa fi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf ni danda'a.Ibroota 4:12. Amma mee gaafilee karaa radio irraa nubira gahee haa ilaallu:

**Gaafii 1^ffaa** Sagantaa keessan isa tokko keessa, wanti hamaan Waqa biraa hin dhufuu jetani turtan. Ani yada kana hin fudhadhu, sababiin isaas , akka amantaa koottii Waaqayyo jalaqaba wanta hama uumee ergasii immoo wanta ba'eessa ta'ee umme. Egaa mee gaafii kanaaf kitaabnii Qulqulluun maal jedha? Burqaan tokko bishaan miyaa'aadhaa fi hadhaa'aa ni yaasaa ree? Yaaq 3:11. Kitaabni Qulqulluun, Waaqayyo ifa dha isa birattis dukkanni hin jiru.1Yoh 1:5. Ennuu illee yoo qoramuu Waaqayyo hamaatti naqooree hin jedhiin, inni eennuuniin illee hin qoruu. Namnii kan qoramuu hawwii hamaa isaatiin qorama male. Garuu tokkoon tokkoon namaa kajeellaa ofii isaatii isa hamaa dhaan haarkifamee yommuu qabamuu ni qorama.1:16-18 Oboloota jaallatamtoota hin gowwoominaa! Keenaan gaarii hundinuu, keenaan guutuu hundinuus

abbaaifaa biraa  ol Waaqa gubbaa dha ni dhufa; abbaa ifaa biraa geggeedaramuun ,yookiis gaadisi  gara galuun  iyyuu hin jiru. Nuyi uumama isaa hundumaaf angafa akka taanuuf,inni akka jaalala isaatti dubbii dhugaatiin  nu dhalche.

Dubbiin mul'ata Ambaaqom, kanatti fufee jira. Anii  Ambaaqoom "yaa Waaqayyo !" Hamma yoomiittan  gargaarsaaf gara keeti iyya? Atis hamma yoomiitti hin dhagessu? Hamma yoomiti anis gara keetti wawwaadha? Atis hamma yoomiiti warra humnaan  nama irratti  ka'a, jalaa nu hin oolchitu?

Ambaaqoom ati yaa Waaqayyoo  jalqabaa kaastee hin turre? Ijii kee hamaa akka hin ilaaleef qulqulluu dha.Ati wanta hamaa ta'eetti hin obsituu.Amba 1:12-13. Eegaa Waaqayyoo wanta hamaatti yoo hin gammadnee taanaan, Waaqayyo isa wanta mishaa hin taanee uumee jennee fudhachuu hin dandeenyu. Jalqabati Waaqayyo ergamaa Lusifar jedhamuu uumee inni garuu, Waaqayyoon faallaa deemuu ni filate. Waaqayyo Adaamiin  jalabatti uumee inni immoo ajajamuu diduu filachuu dhaan yakamaa ni ta'e. Dubbiin Waaqayyo, seexanni fi  onneen ilma namaa isa hammeenaan uumane burqaa burqaa jaldhinna yommuu ta'uu, dubbiin Waaqayyo immoo burqaa wanta haqaati. Galanni Waaqayyoof haa ta'u.

**Gaafi 2ffaa** Gaafiin inni lammaffaan  Waaqayyo Waaqa haqa yoo ta'ee egaa maaliif waraanaa fi loola, jibaati biyya lafaa keessa cl'isee ilaala? Namoota rakachaa jiraniif waan tokko hojjachuu hin danda'uu laata?

Dhugaa dha Waaqayyoo Waqa aaraaraati, innis warra dhiphinna keessa jiraniif wanta hojachuu qabuu raawwateera! Fayisaa haqa kan ta'ee Yesusiin, isaa fi namoota biyya lafaa Waaqa isaani wajjiin araarsuu dhaaf jedhe isa eergeera. Namoon wali wajiin odoo hin araaraminiin dura, Yesus ilma namaatiif aarsaa ta'uu dhaaf dhuffee wajjiin araaramuu qaba. Nageenya dhugaa uumaa wajiin isa dhugaa yoo ta'ee nageenya dhugaa namoota wajiin ni arganna. Wanti hundinuu deebii Waaqayyo dhaaf deebisnuu irra ni hundeeffama. Qorsa Waaqayyo nuf qopheesse fudhachuu qabna. Guyyaa dhumaati Yesus Kiristoos isaan dhugaafi Waaqa didan irratti faraduudhaaf ni dhufa.Waaqayyo dinota isaa eerga mo'atee booddee uumama hundumaa ni haareessa.

Wanti abaaramaan mandarati keessatti hin argamu; teessoon Waaqayyoo fi hoolicha ishee keessa jira, hojjattoonni isaas isaaf ni hojjetu.Mul'ata 22:3; Inni imimmaan hundumaa ija isaani irraa ni haaqa; wanti duraa waan dabreef , egaa duni deebi'ee hin argamu, gadduun iyyuun, waraanis si'achi hin jiru!" jedhe. Mul'ata 21:4.

Gaafi [3ffaa] Gaafiin inni sadaffaa ana rakisee, akka amantaa kooti, cubbuun ani galagee, ana ni midha, garuu ilmaan naraa dhalatan hin midhuu sababiin isaas, isaan dalagaa cubbuu sana waan hin dalgneefi dha. Isin barsisa keessan keesa Cubbuun Adaam lafa Jeenataa keessa dalagee dhaloota isaa hundumaatti waan daddarbeef, adabamuu qabaa jeetani jirtu, eegaa kun attamiin ta'uu danda'a? Gosti Seeneegaali dhibeen namatti daddarbuu nama jalqaba irraa argamee irratti hin turuu. Ilma kee mana kee keessa gudifataa miti, amala kee hundumaa dhaaluu dhaan gudata. Haal ittiin haasa'uu fi jiraatuu sirraa ni barata. Eegaa hundi keenya Adaama isa hin aboomamnee irraa argamne. Abootee keenya Adaami fi hawwaa hin fakaatu ree ati? Nu keessaa ennuu illee ani isaan hin fakkaadhuu jechuu hin danda'u. Hundii keenya yakkamtoota dha. Haala dadhabbii ajajamuu dhabuu dhaan uumamnee jirra. Jaallannees jibinees hundi keenya isaan irraa waan dhufneef wanta isaan irra jiruu hundumaa dhaallee jirra.

Egaa cubbuun karaa nama tokk biyya lafaatti akkuma dhufee, duunis karaa cubbuu akka gle, akkasumas, namoonni hundinuu waan yakkaniif dunii sanyii namaa hundumaa wal ga'e.Rom 5:12. Egaa akuma irra daddarbuun nama tokkichaa yakka mursisee qajeeluummaan nama tokkoo immoo namoota hundumaa argachiisee ni jiraachisa. Rom 5:18.

**Gaafi [4ffaa]** Gaafi itti anuu immoo, Kitaabni Qulqulluun maaliif iddoo lamatti kakuu moofaa fi Haaraa jedhamee maaliif hiramee?

Wanni hundii ergamoonni barreessan kakuu moofaa ni jedhama. Isaanis kakuu moofaa maqaa jedhamaniif odoo masihichi hin dhalatiniin dura waan barreefamaniif ture. Ergaan kakuu durii waluumaa galatti, Waaqayyo masihicha akka erguu dha. Ergaan kakuu haaraa immoo Waaqayyo masihicha ergeera isa jedhuudha. Galanni Waaqayyoof haa ta'uu abooti keenyaaf akkumaa waadaa seenameen masihich Yesus dhufee aarsaa ta'ee kakuu isaa macaaf Musee, Faarfannaa keessa dubataman ni raawwate. Akumaa bishaan lagaa gara galaanaati guutuu kitaabni Qulqulluunis jireenna yesus keessa gutameera.

**Gaafi 5ffaa** Akka amantaa namoota baay'eetti namni wayita du'uu Jeennata yookiin Si'olitti akka deemuu hin beekuu jedhu, Isin garuu namni tokko yoo du'e ama iyyuu Jeenata ni seena jetani. Hundeen amantaa keesani maal irratti dha?

Waaqayyo dubbii isaatti ni gaabaa? Hin gaabbuu garuu inni dubbii isaatti amanamaa dha. Raajoonni hundinuu , namnii isatti amanuu hundinuu, maqaa isaatiin dhifamuu cubbuu akka argatuu, isaaf dhugaa ba'aniiru jedhe. Isin warri maqaa ilma Waaqayyootti amantan,jireenya barabaraa qabaachuu keessan akka beektanifan kana hundumaa isinniif caafe. 1Yoh 5:13. Inninuu jireenna bara baraa akka qabaatan ni beektuu waan jedheef, eegaa nuti attamitti eennuu illee jireenna barabaraa akka argatuu hin beeknuu jechuu hin dandeenyu jechu dha. Isaan jireenya barabaraa ni qabnaa jechuu dhaaf dandada'an isaan gooftaa Yesus akka fayisaa dhunfaa isaanitti warra hudhatani dha.

**Gaaf 6ffaa** Inni erga deemee booddee Phirqlixoos gorsaan ni dhufaa jeetan. Goorsaan Yesus erga deeme booddee dhufuu ennu inni?

Paaraqlixoos Afaan Girikiitiin goorsaa, gargaaraa jechuu dha, jechuudha. Kakuu haaraa keessa maqaan kun Yesusii fi Haafuura Qulqulluuf itti gargaarameera.1Yoh 2:1.

Ani abbaa nan kadhadhaa, inni bara baraan,isin bira haa jiraatuuf , kan biraa isiniif kan dubbatuu isniif ni kenna. Inni isiniif dubatuu kun hafuura dhugaati, biyyi lafaa waan isa hin argineefis, isa fudhachuu hin danda'u. Isin garuu, inni isin wajjiin waan turuuf , isin keessas waan jiraatuuf isa beekuuf jirtu.Lakka. 26. Inni isiniif dubbatu hafuurri qulqulluun , inni abbaan koo maqaa kootiin ergu, garuu, waan hundumaa isin ni barsiisa , waanan isiniif himee hundumaas isin ni yaadachisa. Yoh 16:8 Inni yommuu dhufu waa'ee cubbuu, waa'ee qajwwlummaa, waa'ee firdiis biyya lafaa ni hubachiisa. Isin wajjiin ujuu jiruus abdii abbaan koo isiniitti keenne,isa ani isinitti hime sana eeggadha malee, Yerusaalemii hin ba'inaa! Jedhee isaan aboome. Ho.E 1:4-5.

Grsaan gooftaan Yesus dubataa turee, nama miti Hafuura. Guyyaan Phiraaqlixoos gorsaan bu'ee guyyaa Hafuurri Qulqulluun bu'ee gooftaan Yesus gara Waaqa erga ba'ee booddee bulti 10 booddee dha.

Gaafi 7[ffaa] Barnoota keessan irraa hubachuu akkan danda’eetti Yoo Ysusitti amanee Jeenaataa nan seena. Egaa akkana yoo ta’ee akkan barbaadee jiraachuu nan danda’aa ree? Ergasi immoo Jeennata dhaaluu danda’aa jechuu dha?

Kitaabnii qulqulluun dhignii Yesus cubbuu irraa walabeessuu qofaa odoo hin taa’ee humna cubbuu irraas nama olch. Rome 6:1-2.

Titoo 2:14 Inni seera irra daddarbuu hundumaa jalaa nu furuudhaaf saba fo’amaa warra hojii gaaritiif hinaafaan ofii isaatiif qulleesiidhaaf ofii isaa nuuf keenne.

Waaqayyo kun karaan isaa mudaa hin qabuu, dubbiin isaadhugaa ta’uun isaa amaniiseera; Waaqayyo warra isatti koluu galan hundumaaf gaachana. Faar 18:30.

## KARAA HAAQAA BARUMSA 92[FFAA]

## BARTOONNI KIRISTOOS BIFA KAMIIN YOOKIIN JIREENNA AKKAMIIN JIRAACHUU QABAN?

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, **nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu**. Milkaa'a.

Haardha kan ilaalluu ijoolleen Waaqayyo Waaqa isaa gammachisuudhaaf jireenya akkami jiraachuu akkaqabani dha. Jireenyii baratoonni isaa Waaqa isaani ittiin gammachiisan, jireenya isaani, dubbii isaanitiin, haala yaada isaanitiin fi dalagaa isaanitiin ni beekama. Haala jireenna baratootta Kiristoos hin ilaaliniin dura, wantoota hoojataa dhugaa kiristoos nama taasisan haa ilaallu. Tokkooffaa duka bu'aa yesus jechuun isa hooji isaatiin dhigaa bira ga'uu dhaaf dadhabee jireenya dhugaa isa Yesus biraa argatee dha. Lammaffaa, Karoorrii Waaqayyoo raajootaan labsee isa ilmaan namaa cubbuu isaani hundummaa irraa akka olchuu isaan amanan duka butoota Kiristoos ni jedhamuu jechuu dha. Karoorrii isaas Kiristoos fannoo irra faniifamuu ta'ee karaa kanaanis yakkamtoonni hundii aaraara ni aargatan jechuu dha. Kiristoos inni cubbuu hin qabnee du'ee du'aa akka ka'uu godhe, karaa isaatiinis nuti qajeelummaa arganee jechuu dha.

Wangeela Yohaanis 1:12-13, Hamma isa simataniif immoo ijoollee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isaaniif keenne isaan kun Waaqayyotti dhalatan malee, dhiigatti yookiin yookiis fedha foonitti yookiis fedha dhiiraattii hin dhalanne. Namnii bilaasha fayyeera yommu jedhamuu wanta waayii hin baafnee fakaata. Namoonn karaa kanaan hubatan, cubbuu jechuun maal akka ta'ee, akkasuumas Waaqayyoon eyyuu akka ta'ee warra hin beeknee fakaatan. Namnii Kiristoosiin beeku kanaa achi cubbuuf garba hin ta'u. Isaan seexanaaf bulan duwwaa tuu cubbuuu dhaaf garba dha jechuu dha.

2qor 5:17 Kanaafis namnii kan Kiristoos yoo ta'e, uumama haaraa dha; inni moofaan darbe, kunoo inni haaraan dhufeera. Wayaa adii fi qulqulluu uffatee lafaa dhoqee ta'eetti ni deemtaa? Miti, garuu cimtee wantoota wayaa kee balleessan irraa ni fagaata malee. Namnii tokko qarshii yeroo rakattee siif keenna rakkoo keessaa si baasee, ni mitaani? Garuu maal gootaa, gocha dalageef deebisuudhaaf jabaateehojata male.  Egaa Waaqayyoof afaaniin qofaan odoo hin taanee jireenya keenyaanis jiraachuunis isa gammachisna jechuudha.

Waa'ee isaan kan Waaqayyo ta'aniif Kitaabnii Qulqulluu maal jedha?

Tiitoo 3:3 Nuyis takka wallaaltota, warra hin aboomamne, warra karaa irraa goran, garba kajeellaa fi hawwa garaa garaa isa foon gammachisuu, warra guyyoota keenya hamminnaafi hinaaffaa dhaan dabarsine, namoota biratti jibbamne, walii keenyas jibbaa turree dha. Gruu gaaruumaanii fi jaalallii Waaqayyo, fayisaan keenya ittiin nama jaallate yeroo isaatti ni mul'ate. Waaqayyo hojii nuyi qajeeluummaa dhaan hojjanneef utuu hin ta'in akka aaraara isaatiitti dhiqannaa lammaffaa dhalachuutiin , haareesuu hafuura qulqulluutiinis nu fayisu. Haafuurichis isa inni karaa Yesus Krisitos fayisaa keenyaa arjuummaadhaan nu irratti dhangalaasee dha.Lakka. 7. Waaqayyo ayyaana Kiristosiin qajeeltotti lakkaa'amnee, abdiidhaan jireenya barabaraa akka argannuuf kana nuuf godhe. 1Phex 1:14, akka ijoollee aboomamanii ta'aa malee, kajeellaa foonii isa bara gowwummaa keessanii duukaa hin hin deemina! Inni isin waame qulqulluu akkuma ta'ee , isinis adeemse keessan hundumaan qulqulloota ta'aa!

Egaa garaa kamiinn jireenya duka butoota kiristoos waliti gudunfina ree laata? Waaqayyo ijoolleen isaa amala isaanitiin amala Waaqayyo biyya lafaa kana keessa calaqiisuu qaban jechuu dha. Tolee egaa Waaqayyo maala fakaata laata? Amala Waaqayyo murteessa lmaan iddoo kanatti hubachuu qabna. Waaqa jaalalaa fi qulqulluumma. Inni qulqulluu dha, jaalala dha, akeeknii inni nuf qabuu maali laata? Akkuma inni qulqulluu ta'ee nutis qulqulluu akka taanuuf, ni barbaada, tokkoon tokkoon keenya akka wal jaallannuuf ni barbaada jechuudha. Wantoonni kuneen warra Waaqa hin beeknee irraa adda nu taasisa jechuudha.

1Yoh 3:10, Namnii waan qajeelaa hin hojanne, obooleessa isaa hin jaallanes hundinuu, kan Waqayyo miti,, ijoolleen Waaqayyo fi ijoolleen seexanaas kanaan ni beekkamu.

Tiitoo 2:11 Waaqayyoo ayaana isaa isa nam hundumaaf fayyinna keennu mul'iseera. Ayyaanni Waqayyo kunis , Nuyi Waaqayyo malee jiraachuu, kajeellaa biyya lafaa isa haamaas gannee,bara keenna keessa of qabuutti , qajeelinnatti , namoota Waaqayyo taanee akka jiraannuu gorse , gara gaariitti nu deebisa. Achumaan abdii keenya isa eebifamaa fi isa ulfina isa deeni'ee mul'atu sanaa ni eeganna.Inni mul'achuuf jiruu sunis Yesus Kiristos; inni Waaqayyo keenya isa guddicha fayisaa keenyas. Inni seera irra daddarbuu hundumaa jalaa nu furuudhaaf , saba foo'amaa , warra hojii gaariitiif hinaafan ofii isaatiif qulleesuudhaaf ofii isaa nuuf keenne.

Ef 4:25 Kanaafis namnii adduma addaan , dhugaa namatti haa dubbatu! Nuti bu'aa dhagna walii ti. Yeroo aartan iyyuu aariin keessan gara cubbuutti isin hin geessin! Utuma ariitti jirtaniis aduun isin duraa hin lixin! Seexanaaf karaa hin keeninaa! Inni hatu beebi'ee hin hatin , warra dhaban gargaaruu akka danda'utti hojii waa'ee baasuu harka isaatiin itti dadhabee haa hojetu malee. Dubbii gargaaru yeroo barbaachisutti kancimsu, warra dhaga'uufis ayyaana kan keennu malee, dubiin hamaan afaan keessan keessaa hin ba'in! Haafuura Waaqayyo isa qulqulluu, isa guyyaa fatinaafiif ittiin mallateeffaman hin gadisisinaa! Hadhaa'ummaan dheekkamsi,aariin ,waci maqaa wal balleessuun ,hamminni, hundinuu isinirraa haa fagaatu! Waliti kan toltan, garaas kan waliif laaftan ta'aa;akkuma Waaqayyo karaa kiristos cubbuu keessan isiniif dhiis dhiise, isinis akkasumas waliif dhisa.

Ef 5:1 Akka ijoollee jaallatamootti fakeenya Waaqayyo fudhadhaa! Kiristos akuma nu jaallate, isinis jaalalatti jiraadha! Inni aarsaa fooni isaa tolu, qalma Waaqayyoof dhi'atus godhe nuf jedhee of keenneera. Akka warra Waaqayyoof qulqullaa'anitti jiraadha malee .halalummaa dhaan , xuraa'ummaa hundinuu,sassatis isin gidduutti hin dhaga'amiiniyyuu. Dubbii galateefachuu malee, dubbii gurratti hin tolle dubbiin midhaan hin qabne, qoosaan hin taanees hin dubatamin. Namnii halaleen yookiis xuraa'aan yookiis sasataan mootummaa kiristoosii fi mootummaa Waaqayyotti galuu akka hin danddeenye beekaa! Namnii sassataan Waaqayyoolii tolfaman Waaqeessuu isaati. Lakka. 8. Isin dur dukanaa'oo turtan, amma garuu karaa gooftaa iftaniirttu; egaa akka ijoollee ifaa jiraadha!

1Joh 4:7, Michoota ko! Jaalallii kan Waaqayyo waan ta'eef kottaa wal ni jaallannaa! Namnii jaallatuu hundinuu mucaa Waaqayyooti, Waaqayyoonis ni beeka. Lakka 20, Namnii Waaqayyoon nan jaalladha jedhee, oboleessa isaa immoo yoo jibbee, inni sobduu dha; oboleessa isaa arge kan hin jaallanne Waaqayyoon isa hin argin jaallacuu hin danda'u. Egaa namnii Waaqayyoon jaallatu , oboleessa isaa immoo akka jaallatuuf aboommii kana isa biraa arganne.

Egaa duka butoonni isaa maal godhuu qaban:

1.) Sadarkaa tokkooffaatti duka bu'aan tokko isa irraa kan egammuu, dubbuu Waaqayyo gadii fageenyaan beekuu, yeroo hundumaa qalbitti, yaadatti qabuu fi ajajamu tu irra jiraata.

Iyoob 23:12 Abboommii afaan isaa keessaa ba'uu irraa ani hin fagaanne, wanta inni dubbates yaadatti qabadheera.

2.) Wanti lammaffaa isaan irraa eggamuu kadhanna dha. Yoh 14:14 Waanma tokko isin maqaa kootiin yoo kadhattan ani nan raawwadha jedheen. Phili 4:6. Waan hundumaatti kadhataa fi himataan galtaa wajjiin wanti isin barbaachisuu Waaqayyoo duratti akka beekamu godhaa malee waanuma tokkootti yaaddoo hin qabaatinaa!
3.) Inni sadaffaan dukabu'aa tokko irraa egamuu, tokkumma namoota wajjiin ijaaruu; Ibroota 10:24-25 Jaalala agarsisuudhaaf, waan gaarii hojjachuudhaafis kottaa tottuuqnee yaada walii ni kaafnaa! Akka jara tokkotti amala ta'ee ,nuyi walitti qabamuu keenya hin dhiifnu,

4.)Inni arfaffaan wanti isaan irraa eegamuu, akka duka butoota Kiristos, raga isaaf ta'uu qaban, waa'ee isaa labsuu qaban jechuudha. Kiristos du'aa ni kaafama isinis waa'ee kanaatiif raga ni taa'u. Luq 24:46-48. 1qor 4:20.

***1yoh 1:5-6. Waaqayyo ifa dha dukkanis matumaa isa keessa hin jiru; ergaan nuti isa irraa dhageenyee isinitti himnus isuma kana. Waaqayyoo wajjiin tokkummaa qabna jenne dukkana keessa yoo deddebine ni sobna,akka dhugaa sanattis hin jiraannu.***

## KUTAA 93FFAA

## KEEDDEEBII 1FFAA

## ADAAM SABABII YOOKIIN KA’UMSA CUBBUU.

## SEERA UUMAMA1-4

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, **nageenyii gooftaahundumaa danda’u isiniif haa baayyatu**. Milkaa’a.

Akuma asiin dura waa’ee ergamootaa ilaaluudhaaf yaalleetti, baroota 1,500 gidduutti raajilee kaneen dabarsuudhaaf namoota 40 olitti ni gargaaramee ture. Ergaanis kitaabilee raajoota, jakamtoonni akamiin gara qajeelinaatti akka dhufan ni agarsisuu suran. Raajoonni hunddii waan tokko irratti yaadaan walii galu. Hunddii isaanis, yaada isaani odoo hintaanee, gargaarsa haafuura qulqulluudhaan geeggeefamani yaada Waaqayyoo barreessuun isaani tokko isaaniin taasisa. Guyyoota itti ananitti waa’ee cubbuu fi midhaan innii fidee maal akka ta’ee ni ilaalla.

Mee tarkaanfi Waaqayyo isa saba isaa gargaaruuf fudhatee ni ilaalla; innis Torah, summuu Musee raajii isaa keessa kaa’uu isaati. Jalqabatti maal akka jedhamee yaadataa? Jalqabatti Waaqayyo ardiifi samii uumee. Laakoofsa kana keessa, odoo ergamoonnii, uumamnii tokkoo ilee odoo hin jiraatiin, Waaqayyoon kophaa isaa ture. Waaqayyo haafuura barabaraati, Goftaas bara baraati.

Seera Uumamaa booqonnaa tokkoo irra , guyyaa sadii keessa, samii fi ardii, galaanaa fi wantoota isaan keessa jiran uumee. Kanaaf ture, guyyaa sadaffaatti,

Kana boodde  Waaqayyo kottaa akka bifa keenyaatti , akka fakkaatti keenyaatis nama ni uumnaa! Isaan qurxummii galaanaa irratti  simbiiraa fi allaatti  qilleenssa keessa  balali’an irratti horii qe’ee irratti bineensa lafaa hundumaa irratti  munyuuqaa lafa irra munyuuqu hundumaa irrattis  mootummaa haa qabaatan!, jedhe. Lakka 27. Egaa Waaqayyo bifa isaatti nama uume, akka bifa Waaqayyootti isa uume, dhiiraa fi dubartii isaan uume.

Uumama Waaqayyo uume keessaa namnii isaa guddaa dha. Kanaaf ture, haafuura isaa isa akka beekaniif isaaniif keenne. Isa immoo akka jaallatan immoo onnee isaaniif keenne; wanta mishaa ta'ee fi hamaa ta'ee gidduu gara gara akka baasaniif immoo walbummaa isaaniif keenne ture.

Boqoonnaa lammaffaa keessa immoo, nama jalqabaa, dallaa tolaa fi magariisa wantoota nyaataaf tolan ija argituu namaaf haawwatan lafa jiran keessa kaa'amee ni ilaalla. Waaqayyoon dubartii cinaacha Addamii iraa uume, Adaamiifis ni keenne. Adaamis haawwaa jedhee ishee moogaasee. Waaqayyos wanta isaaniif toluu hundumaa isaaniif keenne. Egaa Waaqayyo namoota fakeenya isaatiin uume irraa maal barbaada laata? Garaa isaani gutu dhaan , sammuu isaani gutu dhaan fi fedhii isaan gutuu dhaan isa akka jaallatan ni barbaada ture. Akkasumas, tokkuummaa hin jijjiirmanee isa wajjiin akka qabaatan ni barbaada ture.

Kana malees onnee isaani keessa wanta jiruu ibsuu dhaaf, isaan qore, Adaami fis abboommii keneef, Seera uumam 2:16-17. Yommus Waaqayyo gooftaan namicha aboomee, ija mukkeetti iddoo dhaaba kana keessa jiran hundumaa irraa ni nyaata; ija mukicha nyaatan hamaa fi gaarii ittiin beekan sana irraa garuu hin nyaatin! Gaafa isa iirraa nyaatte garuu dhuguma ni duuta, jedhe. Waaqayyos Adaamiin Qore, ajajamuu dhisuun balaa maali akkaqabuu akeekachiseen . Ajajamuunis bara baraan Waaqayyo irraa nama gara gara ni baasa.

Boqoonnaa sadaffaa keessa guyyaa tokko Seexanni ergamaan Waaqa irra ka'ee sun gara Adaami fi Haawwaa karaa bofa haaxxeetiin adeeme, akkanas isaaniin jedhe;

Seera uumama 3:1-5.Dhuguma Waaqayyo ija Mukkeetti idoo dhaabaa kana keessa jiran hundumaa hirraa hin nyaatiinaa ! isiniin? Jedhe. Dubartittiin immoo bofichaan , nuyi ija mukkeetti idoo dhaabaa kana keessa jiran irraa nyaachuu ni dandeenya; garuumuka isa iddoo dhaabaa kana walakkaa jiru duwwaa, Waaqayyo, ji'a isaa irraa hin nyaatiinaa , isatti hin bu'inaa, kanaa achi ni duutu jedheera. Bofichi immoo deebisee dubartittiidhaan, hin duutan; isin ija mukicha irraa yeroo nyaataniji keessan akka banamu, hamaa fi gaarii beekudhaanis aka Waaqayyo akka isin taatan Waaqayyo ni beeka jedheen. Yommu muka hin nyaatina jedhame irra nyaatan maal akka isaan qonnamuu isaanitti himame ture? Ni dutan! Seexanni garuu immoo hin dutan! Isaaniin jedhe. Adaam dubbii enyuu dhaggeeffachuudhaaf filatee laat? Dubbii seexanaa filatan jechuudh. Egaa Waaqayyo isaan caldhisee ree? Miti. Garuu akuma isaan akeekkachiseetti

wanti hundinuu ni ta'ee. Idoo baayyee mijataa sanaa isaan ni ari'ee. Isaanis Waaqa irraa gara gara ni ba'an. Amma Waaqa isaani burqaa jireennaa irraa gara gara ni ba'an; si achi kan isaan eguu ebba odoo hin taane, du'a foon ni ta'a jechuudha. Cubbuun balaa nama balleessuu dha. Addami fi ilmaan isaa cubbuu tokkoon waaqa isaani irraa ni badan. Cubbuun akka dhibee AIDS dha, AIDS, takka nama qabee jeenaa, akkuma nama hin dhisneetti, akkasumas akkuma namootatti itti fufinsaan daddarduu, cubbuunis akkasuma. Falli jiruu karaa dhiiga gooftaa yesus dhiiqauu dhaan fayyuu dha. Guyyaa dhuma cubbuun biyya lafaa seene sana Waaqayyo fayisaa erguudhaaf waadaa seene. Namnii qulqulluun biyya lafaatti ni dhalatee, inni abbaa fooni hin qabuu garuu haadha fooni ni qaba ture isheenis Maariiyaami turte. Yommuu Yesussiin ulfooftuu isheen durba turte. Adaam waan cubbuu dhaan xuraa'eef, karaan isaa sababii cubbuutiin cufamee amma garaa kiristositiin ni banamaa jechuudha.

Gara mata duree keenya yommu deebinuu, guyyaa cubbuun biyya laffa seneetti biyya lafaatti maaltu ta'ee. Ija sana erga nyaatan boodde, qullaa ta'uu isaani argani, ergasi foon isaani ufisuu dhaaf baala barbaadan, salphinnatti seenan jechudha. Wayya baal irraa qopheessan Waaqayyo isaaniif mirkaneesse laata? Miti. Maaliif ture Waaqayyo wayyaa isaan hojjatan mirkaneessuu dideef? Sababin isaas, hojiin ilmi namaa hojjatee, salphinna irraa waan hin olchileef olchuudhaafis humna waan hin qabneefi dha. Ega falli Waaqayyo qopheesse, hoolaa hirdhinna hin qabnee qopheesse, gogaa isaa isaaniif uufisuu dha. Kanaanis, gatiin cubbuu du'a tu'uu isaa isaaniif ni barsise. Guyyaa sana irraa jalqabee aarsaa cubbuudhaaf loon akka qopheessan isaaniin abboome. Gatiin cubbuu du'a Waan ta'eef, gati kanaa baasuudhaaf immoo, waan tokkoo du'uu tu irra jiraata. Guyya Waaqayyo yommu ga'utti, yeroo tokko namoota hundumaaf isa ta'uu aasaan bara baraa Gooftaan keenya Yesuus aarsaa ta'uu dhaan biyya lafaa hundumaa ni baraare. Haamma gooftaan dhufuutti hoolaa, ree'ee fi raaraa fi sangaa aarsaa cubbuu godhani dhi'eessaa turan jechuudha.

Kanaanis Waaqayyo karaan fayinnaa tokko akka ta'ee isaniif ni agarsisee.

Aarsaan looni sun akka gaadisaa ta'e, aarsaa Yesus kiristos nutti ni agarsisa. Gara biraatiin, erga yesus dhufee arsaaleen loon garaa garra amma hin barbaashisan jechuudha. Maali fi Yesus inni aarsaa ta'ee sun gaaffi ilma namaa hundumaa ni deebisa jechuu dha.

Rom 3:26. Bara sana irrattis Waaqayyo qajeelummaa isaa argisiisuudhaaf innii ofii isaa qajeelaa ta'uu isaa , nama Yesusitti amanus qajeela gochuu isaa mul'iseera.

Boqoonnaa itti anutti cubbuu Adaamii fi kakuu Waaqayyo isaa fayisaa erguudhaaf kakatee agarree ni jirra. Akksumas ilmaan Adaam, Abeelii fi Qaa'eni yommuu ilaalluu, Abel aarsaa looni yommu qopheessu, Qaa'een immoo , garaa hojii isaatiin gara Waaqayyo dhi'aachuu filate. Abeel akeeka Waaqayyo yommu hordofuu, Qa'een immoo fedhii isaa dukaa ni bu'e. Garru Waaqayyo faara tolaati gara aarsaa Abeel yommuu ilaaluu, gara aarsaa Qa'een immoo faara tolaatti hin ilaalle jechuu dha. Uumam 4:4-5. Yoo dhignii hin dhangalaane malee dhifamnii cubbuu hin jiruu jechuun maal jechuu dha? Ib 9:22. Abel dubbii Waaqayyoof ni aboomame, Qaayeen garuu dubbii Waaqayyo isaa aarsaa looni barbaaduu ni didee. Kanaaf ture, Waaqayyo faara tolaatiin gara aarsaa Abel maqaa ilaaleef.

Egaa cubbuun karaa nama tokkoo biyya lafaatti akkuma gale, akkasumas namoonni hundinuu waan yakkaniif duuni sanyii namaa hundumaa wal ga'e. Rooma 5:12.

Beenyaan nama cubbuu hojjatuu du'a, kenaan Waaqayyoo inni kiristos Yesus gooftaa kenyaa wajiin tola kennamu garuu jireenna bara baraati. Room 6:23.

## BARUMSA 94 FFAA

## IRRA DEEBII 2FFAA

#### ABRIHAAM: NAMA AMANTAA DHAAN QAJEELUMMAA ARGATE.

#### SEERA UUMAMA 6-22.

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, **nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu**. Milkaa'a.

Haardha irra deebinee kan ilaalluu eergaa seenaa ergamtoota Waaqayyo dha, seenaa ilmaan Addaa cubbuu dhaan badan isa olchuudhaaf tarkaanii Waaqayyo hudhati jechuu dha. Ergaan Waaqayyos, oduu gamachisaa ilmii namaa inni yakamaan fula dura Waaqayyotti fudhatama argachu isaati. Kitaabii haafuura sun ka'umsaa fi dhumaa ni qaba, namichi jalqabaa Adaam karaa sexanaa akka filatee, cubbuun isaas, ilmaan isaas cubbuu dhaan akka dhalatan, kanaanis, gaandii si'olitti akka kalaa'an ni ilaalla. Namoonnni tokko tokko cubbuun Addaam isa midha malee nun hin midhuu nu bira hin ga'uu ni jedhu. Yaadnii isaani kun immoo Kitaaba Qulqulluu irraa fagaachuu isaani ni argasisa;Egaa cubbuun karaa nama tokkoo biyya lafaatti akkuma gale, akkasumas namoonni hundinuu waan yakkaniif duuni sanyii namaa hundumaa wal ga'e. Rooma 5:12. Akuma AIDS nama jalqaba bira akka hin turreetti, namoota biroottis akka daddarbuu cubbuunis fakeenyuuma kanaan Adaam irraa jalaqabee haamma ammaatti ilmaan namaatti daddarbaa ni jira. Yoo Waaqayyo nu baraare maleee, cubbuun Adaam irraa gara tokkoon tokkoon keenya dhufee nu fixa jechuudha; kanaaf dafnee koluu Waaqayyo nuf qopheesse keessa yoo miliqnee ni yafina jechuu dha.

Garaa garumaan gidduu Adaam isa cubbuu dalagee fi Yesus is cubbuu hin dalagne.Room 5:17-19; irra daddarbaa nama tokko tiin, sababii namicha sanaaf duuni erga mo'e e, warri qajeelummaa argatan immoo yesus kiristos namicha tokicha sanaan hammam guddaa caalchisanii jireennatti haa mo'ani ree! Isaan ayyaana ayyaana Waaqayyoo fi kennaa tolaa hamma isaan irraa hafutti fudhataniru. Egaa akkuma irra daddarbuun nama tokicha nama hundumaatti yakka mursisee, qajeelummaan nam tokkoo immoo namoota hundumaaf firdii qajeelummaa argachiisee ni jiraachiisa. Akkuma abboomamuu diduu nama tokkootiin

baay'een cubbamoota ta'an , aboomamuu nama tokkotiin  immoo akkasumas baay'een qajeeltoota ni ta'an. Bitaabnii Qulqulluun isaan Adaam keessa jiranii fi isaan kiristos keessa jiran maal akka qonnamu Room 5:17-19 ni agarsisa jechuu dha.

Seera Uumamaa keessadeebinee yommu ilaalluu, Waaqayyo karoora isaa akka cimsee itti fufe,ilmaan Adaamis akkamiin akka kakuu Waaqayyo haala fudhatan, Abeel amantaadhan ni fudhate, aarsaa dhiigaa ni qopheesse, Qaayeen garuu waan hin amaneef fudhachuu didee aarsaa waan dafqa isaatiin omishee dhiyesse. Waaqayyo Qaayeen qalbii isaa akka geedaruu yeroo keeneef, inni garuu hin fudhanne hinaaffaadhaanis ka'ee obooleessa isaa ni ajeesse. Yeroo sana irraa ka'ee ilmaan Addaam faan Qaayeeni dukaa ni bu'an.

Seera Uumam 6:5 Waaqayyo yommus  jal'inni namaa  lafa irratti  bay'achuu isaa , wanti  namni guyya  hundumaa  garaa  isaatti  yaadee qopheessu  hundinuus  jal'aa  duwwaa ta'uu isaa ni argee.Ajajamuudiduu  ilmaan Adaam irraa kan ka'ee loolaa bishaaniidhaan Waaqayyo isaan balleessuudhaaf ture; Yeroo haamaataa sana keessaa kan Waaqyyotti amanee Noohi qofaa ture, Waaqayyos balaa dhufuu irraa isaa fi maati, akkasumas beelada garaa garaa, namoota waaqatti amanan baraaruudhaaf waaqayyo donii akka hojatan isaan ni ajaje. Hamma waggaa dhibba tokkoof ,hangga Noohiin donicha miliqan ijaaree fixutti isaan obse. Erga Donichi dhumatee booddee, namoota donicha keessa seenu didan fixee, akkuma waadaa galeetti warra aboomaman badii dhufee irraa isaan olchee.

Kan nama dinqsisuu, yeroo irraa gara yerootti ilmaan Noohi illee ilmaan Waaqayyo waan turan, dubbii Waaqayyo hirraafachaa deeman;  Isaanis namoota iddoo tokkootti walitti qabuudhaan gamoo gubbaa ijaaran, sunis Waaqa falmuuisaaniti, Waaqayyo deemaa biyya lafaa gutaa jedhee isaanitti himee faallaa deeman jechuu dha. Gati kanaatiif Waaqayyo isaanin  joonjjeesse, akka babaldhinna biyya lafaatti isaanin facaase.

Kanatti ansee, gara seenaa jaallatamaa, Abrhaam raajii Waaqayyo ni ilaalla. Karoora Waaqayyo isa ilmaan Adaam baraaruu dhaaf kaa'ee keessa Abrihaam iddoo guddaa ni qaba. Abrihaam maatii waaqa tolfamoo waaqeessuu keessaa  akkuma ilmaan Adaami, nama waamicha Waaqayyo argatee dha. Seera Uumama 12:1-3. Waaqayyo gaafa tokko Abraamiin , biyya kee keessaa  lammii kee keessaa  maatii abbaa kee keessaas ba'itii  gara biyya ani si argisiiduu

dhaqii! Ani saba guddaa sin godha, sin eebisa, maqaa keen nan guddisa, eebbas ni taata’. Warra si eebisan nan eebisa , warra si salphisan nan abaara, qomoon biyya lafaa irraa hundumaa sababii keetiif ni eebbifamu, jedhe. Waaqayyo maaliif Abraam gara biyya ormaatti imaluu isa ajajee laata? Karaa lammii sanaan raajii kitaaba qulqulluu barreessuu kaasuu fi sure. Karaa saba sanaan fayisaa gutummaa biyya lafaa erguuf ture. Kanaaf ture Waaqayyo Abraamiin, Warra si eebisan nan eebisa , warra si salphisan nan abaara, qomoon biyya lafaa irraa hundumaa sababii keetiif ni eebbifamu, jedhe. Waaqyyo waan Abraamiif kakatee sana raawwatee laata? Eeyyee; Umriin isaa 100, umriin haadha warraa isaa immoo 90 yeroo ta’eetti Waaqayyo, Yisaaqiin kenee, ilmii Yisaaqii Yaaqoob ilmaan 12 qaba ture, isaanis, gosa israa’el nita’an. Akka kitaaba Qulqulluu iraa dubbisnuutti, Fayisaan biyya lafaa Israa’el keessa ka’ee ture. Mat 1:1 Toorrii hidda dhaloota Yesus Kristos sanyii Daawit, sanyii Abrihaam isa kana. Abrihaam Waaqayyo duratti fudhatama argachuudhaaf maal dalagee? Seera Uumama 15:6, Waaqayyo Abraam Waaqayyotti amane inni immoo qajeelummaatti ni lakkaa’ameef. Abraam Waaqayyootti amanee malee wanta Waaqayyo irra abdatuu miti. Dubbii isa itti himeetti amane. Waa’ee kanaaf waaqayyo ajja qajeelummaa lakaa’ameef. Obolota koo isin dubbii Waaqayyotti ni amantuu ree? Amanuu jechuun, waa’ee Waaqa tokkotti manu miti, waa’ee Waaqa tokko amanu seexannis ni amana. Garuu, waa’ee fayisaa isa biyya lafaa amanuu dha! Seera Uumama 22:8 hoolaa aarsaadhaaf ta’uu Waaqayyo ni qopheessa; labsii Amanttaa dhaan Abraam Qopheesse dha. Abraamis erga hoolaa Waaqayyo qopheesse erga gora’ee booddee, seera uumama 22:8 Abraam deebisee, Waaqayyo ofii isaatii qalma gubamuu fi hoolaa ni arga yaa ilma koo jedhe; isaan lamaanuus walii wajjiin ni adeeman. Seera uumama, 2:14 erga Waaqayyo qopheesse booddee, Abraam maaliif, Waaqayyo ni qopheessa jedhe? Yaahwee Yri’ee,( akkana jechuun Waaqayyo ni aarga jechuudha). Abrhaam raajiin Waaqayyo aarsaan isa dhugaa akka dhufuu raajaa jira jechuu dha. Hoolaan Abraam gora’ee sun gaadisa malee isa dhugaa miti. Kan isatti amanee hundinuu ni fayya.

Gooftaan Yesus, dinoonni isaa erga isa fayisan booddee, Yesus fannoo irratti, “**raawwatamee**” jedhe. Maali fi Fannoo isaatiin waan fayinnaa ilmaan namaatiif ta’uu hundumaa waan hojateefi dha. Wareegamuu yesusitiin, raajiin hoolaa Abraam ni raawwatamee jechuudha. Waluumaa galatti, Abraam amantaa isaa wayita ilaallu:

Room 4:1 kana irratti waa’ee Abraam abbaa sanyii keenyaa maal jenna ree? Waaqayyo duratti maal argate? Abraam waan hojateen qajeelummaan utuu lakkaa’ameeraaf ta’ee Waaqayyo duratti yoo ta’uu dhaabbate iyyuu kan ittiin of jaju ni qabaata ture. Caaffanni qulqullaa’aan waa’ee isaa maal jedha ree? Abrihaam Waaqayyootti amanate kunis qajeelummaatti lakkaa’ameef, jedha. Waaqayyo karaa fayinna salphisee jechuu dha. Akka raajii ta’ee isa waa’ee Yesus Kiristos dubbatamee ni fudhate, amantaadhaan argee malee kun akamiin ta’a jedhee waaqa isaa hin falmile. Haardha, nuti karaa dadhabbii keenyaatiin fayyuuf barbaachaa jirra, sun Waaqa hin gammachisuu, Waaqayyo kan gammadduu akka Abrehaam nama amantaadhaan dubbii Waaqayyo karaa gooftaa yesus qopheesse nama amanuu dha. Ameen. Abrhaam Waaqayyootti ni amanee kunis qajeelummaatti lakaa’ameef. Room 4:3.

## BARUMSA 95^FFAA

## IRRA DEEBII 3^FFAA

## MUSEE: SEERA QULQULLUU WAAQAYYOO

## BA'UU 1-20

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf maqaa waaqa fedhuun, nagaa isiniin jenna, **nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu**. Milkaa'a.

Hardha irr deebinee kan ilaalluu ergaa raajootaa waa'ee odoo gamachisaa isa yakamtoota fuldura waaqayyootti fudhatamtoota godhudha. Akumaa ilaala jirruutti, kitaabnii seera uumamaa, Abbaan keenya Adaam akamiin akka kiyyo cubbuutti qabame, innis akka dhukuba daddarbii sanyii ilmaan namaa hundumaatti akka faca'ee, gaddaa fi gadadoo du'aa fi adabbii bara baraa akka ilmaan namaa irratti fide ni ilaalla. Room 5:20. Seerrii irra daddarbaa baay'suudhaaf gidduu lixe; garuu lafa irra daddarbuun baay'atetti immoo ayyaanni Waaqayyo caalaatti baay'ate. Adaami fi Haawwaan dogoogorani turan, garuu arjummaa isaatiin Waaqayyo, fayisaa adunyaa ergudhaaf labse. Akkasumas, Waaqayyo Abrihaamitti, saba guddaa isa akka godhuu waadaa yommuu keenuuf ni ilaalla. Saba guddaa kana keessaas, raajoonni fi yafisaan addunyaa keessaa isa ba'uu dha jechuu dha. Abrihaam Yisaaqiin argatee, Yisaaqiis Yaaqoobiin argatee, Yaaqobiin immoo ilmaan kudhalamaan madda gosaalee Israa'el ta'an jechuu dha.

Egaa Saba kana akkamiin Waaqayyo itti gargaaramee, cubbammoon garaa kamiin badii irraa miliqan karaa seenaa isaaniitiin barsisee ni ilaalla. Mata dureen keenya inni hardhaas seera Waaqayyo isa qulqulluu isa jedhuu dha. Qo'anna Torah keessa ilmaan Israa'el garbummaa Gibxii jala baroota dhibba afuuriif akka garbooman; Waaqayyos immoo waan kana dursee Abrihaamitti ibsee akka ture agarre ni jirra. Yeroon Waaqayyoon murtaa'ee yommuu ga'utti, isaan akka walaboomsuuf Museen ni erge. Museen lammii isar'el yommu ta'uu, masaraa yookiin mana mootummaa fari'on mooti Gibxii jala guddate. Museenis yommu Fari'onitti ergamuu, " Saba koo gad dhisii" jedhe akka labsuuf itti hime. Garuu Fari'on diddaan itti qosee malee dubbii Musee hin fudhanne ture. Saba kana gad dhisuudhaaf Waaqayyo ennuu inni? Sabnnii Israa'el akka deemuu hin godhu jedhe. Waaqayyos balaalee haamaataa sagal mootummaa Gibxii irra

buusuu dhaan, dha’icha sanaan humna isaa ibsee. Fari’oon Mootiin Gibxii dha’icha haamaataa saglan kaneeniinis saba sana gad dhisuu hin feene ture. Kanaaf Waaqayyo Museef, egaa ammas, baasa garabiraa tokko saba Gibxii irratti nan fida jedhe. Ergasi inni isin ni dhisa jedhe Waaqayyo. Dha’ichi sunis ilma hangafaa manaa mana Uummata Gibxii dha’uu ture. Kanaaf masaraa Fari’oon irraa jalaqabee hamma mana hojjatuu manaatti ni rukute. Akkuma Waaqayyo dubatee haargafnii biyya gibxii fundii ni du’e. Garuu sababii dhiga hoolaa saanqaa balbala isaani irra dibameen angafnii israa’el hundii ni fayye. Ba’uu 12:10 isa irraa waan tokko illee hamma ganamaatti hin hanbisinaa; waan hamma ganamaatti irraa hafe immoo ibidaan gubaa! Karaa kanaan ture Waaqayyo saba Isaa karaan olche.

Seenaa ba’uu yommu ilaallu walabummaa Israa’el Gibxii gala caalaa hika ni qaba, 1qor 10:11, wanti kun hundinuu warra kaan qoqqoobachuudhaaf isaanitti dhufe, nuyi warra dhumni baricha irra ga’eef immoo barumsa akka nuuf ta’uuf caafame. Dubbiin Waaqayyo ilmaan addaam garboota akka turan nuti hima, akkasumas wangeela keessan,ennuu illee cubbuu can hojatuu bitamaa cubbuu dha. Yoh 8:34. Egaa seexanni immoo burqaa seexanaa waan ta’eef ennuu illee inni cubbuu hojatuu gara yookiin bitamaa seexanaati jechuudha. Galanni Waaqayyoof haata’uu humni seexana irraa nu walaboonsuu karaa gooftaa yesus nuf keenameera.

1. Seera uumamaa keessa Waaqayyo mataa seexanaa akka caccabsuu nuuf hubachisa; karaa durba irraa dhalatee fanifamuu dhaan hojii seexanaa ni diga jechuu dha.
2. Faarfannaa Daawiti keessa ,fayisaan biyya lafaa waaqayyoon inni ilma kooti jedheen akka dinoota isaatiin reebamuu, dararamuu, du’ees du’aa akka ka’uu faarfatee ture. Faar 22.
3. Wangeela keessattis, Yesus ilma Maariyaami, fakeenya haqa ta’een jiraate, harkaa jal’ootaati du’ee du’aa akka ka’ee ni dubisna. Yesusis Waaqayyo bara fagoo dursee isaa Waa’ee fayisaan Waaqayyo erguuf karoorfate isa irratti raawwatame dha.

Dubbiin Waaqayyo Gooftaan Yesus hoolaa Waaqayyo akka ta’ee ni dubata. Akuma Hoolaan faasikaa ba’uu akuma garbummaa gibxii jalaa Israa’el walboonsee, Yesus Hoolaan Waaqayyo, Israa’el qofaa odoo hin taanee sabaa fi sablamoota hundumaa kan isatti amanan hundda ni olcha.Amen. Gooftaan Yesus raajii hoolaa Waaqayyo ni raawwate, mul’ata 13:8; warra lafa irra jirraatan keessaa uumamuu biyya lafaatii jalqabee maqaan isaanii macaafa hoolicha qalamee

,isa  warri jireenyya argachuuf  jiran keessatti  caafaman keessa hin argamne hundinuu bineensichaaf  sagaduuf jiru.

Ho.E 3:17 Ammas yaa oboolootanan, isin,  warri isin geggeessanis, waan gootan hundumaa hin hubatin  akka gootan , anuu beeka. Yesus Kiristos aarsaa qulqulluu fi isa dhumaati.

1qor 5:7 Raacitii of keessaa hin qabdan erga ta'ee, isin bukoo haaraa ni taatu; Kiristoos  hoolaan faasikaa  keenya aarsaa nuuf ta'eera.

Room 5:6-8  Nuyi amma ille of-dadhaboo taanee utuu jiruu  yeroon yaadame yommuu ga'etti kiristos akkuma keenya waaqayyo irraa fagaatan hundumaaf du'e. Tarii namni, nama waan gaarii godhe tokkoof du'uuf  fedha qaba ta'a  malee, nama qajeelaadhaaf  waan du;uuf hin fakaatu.

Mee amma immoo waa'ee seeraaleequlqulla'oo  isaan Israa;elootatti keenaman haa ilaallu. Gara Sinaa jedhamu irra lafa gammoojjii abiddaa fi balaqeessa keessa Waaqayyo mul'atee humna Isaa Musee fi Israa'elootatti ni ibse. Ajajjawwan 10,akkana jedhe ni jalqaba," Waaqa garaa kee guutuudhaan,  lubbuu kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaan jaalladhu. Anamalee waqa gar biraa ufii keetii hin godhinii, maqa koo isa Waaqayyo jedhuu dharaan hin waaninii jedhe. Guyyaa sanbataas qulqulinaan eeggadhu. Ollaa keetis  akka ofii keetii jaalladhuu. Abbaa keeti fi hadha kee ulfeesi; hin ajeesini; hin sagaagalini; hin haatin; olla keeti dharaan hin raggaasisiin! Qabeenya olla keeti hin haawwin! Sarawwan 10 irratti Waaqayyo dabalee akkana jedhe; Yaaq 2:10 Namni tokko  seera keessa warra kaan hundumaa eegee tokko yoo cabse, akka waan hubduma  isaanii  cabseetti  yakkii itti nu murama. Gala 3:10, warri waan seerri isaan  irraa bardaadu  hojjechuu isaanii abdatan  abaarsa jala jiru; caaffanni qulqullaa'aan , namnii wanta macaafa seerichaa keessatti  caafame hundumaa gochuutti qabamee hin jiraanne abaaramaa dha! ni jedha. Egaa seeraawwan kaneen haanqinna malee raawwanne jirra jechuudhaaf dandeenyyaa laata? Dhugaa dha seeraawwan kaneen hanqina malee raawwachuun ni rakisa. Kittaabni qulqulluun hundii cubbuu akka hojjatan, ulfinnii Waaqayyos isaan irra akka hirr'atee ni dubata.Room 3:10. 1Yoh 1:8. Cubbuu hin qabnuu yoo jeennee ufii keenya sobna, dhugaanis nubira hin jiru. Kuni hundumaa waan ta'eef uumamaan cubbudhaan waan dhalaneefi dha.

Namnii tokko akkana jedhee gaaffachuu ni danada'a, seera qulqulluu namnii tokko illee yoo hin raawwanne, egaa Waaqayyo maaliif ilmaan namaaf isaan keenne ree? Waaqayyo namnii hundii akka baduu ni barbaadaa ree? Sababiin inni keenneef:

Room 3:20 Egaa nama kan ta'e tokko iller wanta seerrii nama irraa barbaadu gochuudhaan Waaqayyo duratti qajeelaa hin ta'u. Seerii cubbuun maal akka ta'ee nama hubachiisa.

Gal 3:22 Namnii yesus Kristositti amanuudhaan fuula Waaqayyo duratti qajeelaa ni ta'a. kana irrattis warra amanan hundumaaf garaa garumaan hin jiru. Samii jalaa kan seera Waaqayyo raawwachuu danda'e tokko olle hin jiru. Maat 5:17 Yesus Seeraa fis barsisoota seera diiguudhaaf waanan dhufee hin se'inaa, ani isaan raawwachuudhaafan dhufe malee, diigudhaaf hin dhufne.

Yesus cubbuu takkaa waan hin hojjanneef sila du'uu hin qabu ture. Garuu Waaqayyo cubamoota fayisuudhaaf isa karoorfate fayisuudhaaf Yesusiin eerge, karaa kanaanis kayoon Waaqayyo ni raawwatame.

Egaa amma firdiin, warra kiristos Yesusitti qabamanii jiraatanitti faradamu tokko ille hin jiru.Lakka.3 Sababii nama fooniitiif seerrii hoji isaa hojjachuu dadhabe, Waaqayyo ilma ofii isaatii ergee, cubbuu isa nama foonii kesaatti farade;ilmi isaa kun foon isa namni cubbamaan uffatu uffatee, cubbuu balleessuu dhufe.

(Room. 8:1) Egaa amma firdiin, warra kiristos Yesusitti qabamanii jiraatanitti faradamu tokko illee hin jiru. Ameen!

# KARAA HAQA BARUMSA 96FFAA

## IRRA DEEBII 4FFA

### YESUS KIRSTOOS AKKANA JEDHEE RAAWWATAME!!!

YOHA 19, IBROOTA 10

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf fedhuun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a.

**Torbaanan sadab dura jeechoota raajootaa ire deebinee ilaalaa turre. Gargaarsa Waaqayyootiin haardha isa jalqabnee kana ni golbna jechuudha. Tagntaan keenya kan haarhda immoo " Raawwatamee!!" isa jedhuu ta'a.**

**Akuma beekkamuu Kitaabnii qulqulluun iddoo lama hirama, isaanis, Kakuu haaraatii fi Kakuu moofaa jedhaman. Gareen inni jal qabaa Kitaaba kakuu Waaqayyo dinqii uf keessaa ni qaba; Isaanis,Kitaaba Musee( Torha), Faarfanna(Zabuuri), fi kitaabilee raajootaa gara biro uf keessaa ni qaba. Kutaa yookiin kitaaba jalaqabaa keessatti, addaam abbuturoon ilma nmaa seera Waaqayyo daddaruu isaatiin mootummaa Waaqayyoo keessaa ba'ee mootummaa seexanaa akka filatee ni ilaalla. Garuu Waaqayyo arjuummaa isaatiin, fayisaa jabaa ilmaan Adaamii hundumaa fayisuudhaaf erguu dhaaf akka karoorfatee ni ilaalla. Innis ilmaan Adaam harkaa seexanaa keessaa baasee mootummaa Waaqayyoo keessa ni galcha. Kakuun kunis kakuu moofaa keessa iddoo guddaa ni qaba.**

**Waaqayyoo karoora isaa galmaan ga'uu dhaaf, Abrhaamiin bara duluma isaatti waameen; Saba guddaa sin godha; karaa keetiinis sabnii biyya lafaa ni eebifama( Seera Uum 12:2-3). Akuma Waaqayyo dubatee tureetti, Waaqayyo Abrhaamiin, Abbaa saba Israa'eli godheeni. Waaqayyoon seer asana kan keennee isaaniif ture jechuu dha. Baroota 1500 fi Musee irraa jal qabee haangga Yohaaniisi cuuphaatti gargaaramee seer asana saba sana barsisaa ture. Kanaanis, uummanni sun yakkamaa ta'uu isaa barsisee, furmaata isaatiifi immoo fiyisaa cubbuu hundumaa irraa walabeemsuu akka eerguu dubateera. Fayisaan**

**gooftaa Yasuus dhiga isaa aarsaa cubbuutiif loolaasee akka isaan olchuu nu olchuu kitaabileen karaa raajootaatiin dubateera jechuu dha.**

**Kakuun moofaa isa Waaqayyoon ijaarame sun, gati aarsaa cubbuu dhaaf dhiga horii barbaada. Dhignii yoo hin dhangalaa'iin dhifamnii cubbuun hin jiru, sababiin isaas, gatiin cubbuu du'a waan ta'eef. Uumama ilma namaa iraa jalqabee dhignii loonii gati cubbuu baasuuf hin dandeenyee, maalifii gatiin ilma namaati fi gatiin looni qixxee waan hin taaneef. Fakeenyaaf konkoolaataa ashaangulitii(horgoggee) funee warshaa konkoolaata adeemnee isa konkoolaataa dhugaa dhaan jijiiruu dandeenya? Hin dandeenyuu. Kanaaf dhignii loonii akka gaadisaa ta'ee dhiga yesusi eegeeree agarsisa ture. Dhigni looni yeroo dhaaf cubbuu kaasaa malee gonkumaa nama irraa kaasuu kan danda'uu dhiga Yesus qofaa ture.**

**Gareen Kitaaba Qulqulluu isa lammaffaa ni ilaalla.Kitaabnii kunis Kakuu haaraa dha. Kitaabnii kunis akeeka Waaqayyoo isa karaa dhiga yesusiin keenamee nutty agarsisan. Kakuun haaraan, kakuu fakeenya loonitiin keenamee karaa yesusitiin akka raawwatamee nutti hima. Yesus Haarka Yihuudootaatti fanifamee aarsaa cubbuu ilma namaa ta'e. Mee gaafi tokko haa kaafnuu, Fayisaan maalii samii iraa gadii bu'ee laata? Gabaabinaan ilmaan namaa garbummaa cubbuu jala waan kufaniif isaan walabeesuuf ture. Cubamaan tokko cubamaa gara biraa olchuu hin danda'u. Fakeenyaan yoo ilaalle, dubartiin bishaan okooteen dugdaan baatatee tokko ishee kaan akka ishee bishaan okootee dhaan dugdaan baatattee gargaaruu dandeetti ? hin ta'u. Fayisaan samii irraa dhufee saqalee qulquulluu Waaqayyo irraa dhufee waan ta'eef namoota gara isaa deebi'an fayisuu dhaaf ni danda'a. Inni durba irraa dhalatee, akka keenyaa foon haa uffatuu malee, akka keenya cubbuu hin qabu. Kanaaf Waaqayyo ba'aa ilmaan namaa gateetti isaa irra kaa'e maalii? inni qulqulluu waan ta'eef. Innis gatiin cubbuu da'awaan ta'eef du'ee guyyaa sadaffaatti du'aa ka'ee, du'a isaatiinis, du'aa fi seexan moo'e! Gatii cubbu irraa kan ka'ee boolla du'aa keessa kufnee turre. Waaqa irraa gad bu'ee boolla sana keessaa nu baase.**

**Waaqayyo tokicha ,inni gidduu dhaabbatee, Waaqayyo fi nama walitti fidus tokkicha ,inni immoo kiristos yesus isa nam ta'ee mi'atee dha.**

**Inni furii namoota hudumaaf ofii isaa dabarse kenne, kunis yeroo isaatti, dhugaa baafame. 1xim2:5-6.**

**Ib 7:26 Angafa lubootaa** isa qulqulluu, waan ittiin jedhan hin qabne, xurii hin qabne, isa cubamoota irraa garar ba'ee banttiiwwan Waaqa gararraattis ol jedhe akkasii qabaachuun nuuf ni barbaachisa.

Ifni ulfina Waaqayyoo isa irraa ni calaqisa, Waaqayyo akkuma jiruutti isaan ni mul'ata; dubbii isaa isa humna qabeessaanis waan uumame hundumaa ni baata. Inni cubbuutti qulleeffamuu erga argachiisee boodde, ol gubbaa mirga isaa surra-qabeessaa dhaqee ni taa'e. Ib 1:3

Yeroo Yesus biyya lafaa deeddeebi'ee barsisuutti, namoonni baayyee isatti amanani turan. Isaan isatti amananis gammachuu guddaa dhaan ebifamani turan. Waan raajoon dubbatan waa'ee masihichaa ija isaanitiin ni argan. Warrii diinqii kana ija isaanitiin, gurra isaanitiin arganis, hiriyyoota isaanitiif ni himan.

Indriiyaas, dura obboleessa isaa Simoonin argatee, " masiihicha arganneerra" jedhee itti hime, masiihiicha jechuun "Kiristos" jechuudha. Yoh 1:41; Filiphos kun Naataana'elin argatee, " isa Museen kitaaba seeraa keessatti, raajoonni immoo kitaaba isaani keessatti, waa'ee isaa caafan arganneerra; Inni namicha Naazireet Yesus ilma oseef " jedheen, lakk. 45.

Wantti nama gadisisuu uummani yeroo yesus ture sun isa hubachuu ,adda baasuu hin dandeenyee ture.

Inni kun jalabumaa jalqabee Waaqayyo bira ture,1:2; Sagalichis nama foonii ta'ee nu gidduus buufate.Ulfina isaa isa ayyaanaa fi dhuugaadhaan guutes argine; ulfinna isaas isa ilmi tokkichi abbaa isaa irraa argatu ture.Lakka. 11 Gara biyya dhuunfaa isaa dhufe; namoonni isaa garuu isa hin simanne.

Kitaaba Qulqulluu irraa dubbisuudhaaf akka dandeenyutti namoonni haarka isaa irraa fayyan, raga ba'ani ruu, dinqii inni dalagee labsani ruu. Yesus du'a irra, cubbuu irra, danbalii irra, uumama hundummaa irr humna qaba. Garuu hubannaan isaani, Yesus raajoota keessaa akka isaan tokkotti ture malee akka mooti mootootaatti miti, akka raajiileen kakuu moofaa keessa dubataman isaan raawwatamanitti hin turre.

Barsisoonni seeraa bara sanaa immoo gutumatti Yesusiin ganani turan. Ari dhaanis kakka'ani isa fanisanii ajeessani. Isaan jal'inaan isaa haa fanisan malee, fanifamuun Yesus karoora Waaqayyo ture. Kunis raajootan farfatamaa labsamaa ture jechuu dha.

Ani abbaa kootti dhageesifachuu hin danda'u sitti fakaataa ree? Innoo amuma wrgamoota dulaa kudha lama irraa caalan iyyuu anaaf ni erga ture. Silaa immoo akkas ta'uun akka isa irra jiru kan dubbatan caaffanni Qulqullaa'oon attamitti raawwatamu ree? Jedheen. Maat 26:53-54.

Yesus raajiin Hoolaa Abrhaam fi kakuuleen kitaabaa durii keessa bareefaman akka raawwatamaniif ture.

Yesus lubbuu isaa Waaqayyoo abbaatiif oddoo dabarsee hin keeniniin dura wanta dubbate yaadattaa? Raawwatame!! Ergasis lubbuu isaa du'aan dabarsee keenne jeechuu dha.Yroo inni du'ees girdoon mana qulqulluummaa gubbaa irraa jalqabee hammaa jalqabaatti iddoo lamatti binxame. Yoh 19:30, Maar 15:37-38. Yesus maaliif raawwatamee jedhee sagalee isaa ol kaassee iyyee? Girdoon mana qulqulluummaas maaliif iddoo lamatti tarsa'ee laata? Iddoon sun lafa aarsaan qulqulluun raawwatamuu ture. Aarsaa loonii isa cubbuu nama irraa kaasu. Girdoo sanneen tarsaasee, gaafileen ilmaan namaatiif, fyyinna isaatiif barbaachisuu raawwatame, gatiin ba'ee jechuu dha.

Karaa du'a Yesusitiin Yesus dubbilee raajoota ni raawwatee, isaan fakilee fakkeeffaman hundda karaa dhiga isaatiin dhugaa isaa godhe. Guyyaa sadaffaatti du'aa ka'uu isaatiin gatii cubbuu ilmaan namaa basuu qaban Yesus ni baasee. Kanaanis isaan ilmaan badii turan, ilmaan ebbaa ta'an jechuu dha.

Yesus aarsaa madaallii, aarsaa jabaa tu'uu isaa kitaaba Qulqulluu keessa lafa agarsisan bee kitaaba Waaqaa irraa haa ilaallu.

Seerichi garuu gaadisa wanta gaggaarii dhufuuf jiran sanaa ti malee, bifa dhugaa isa isaan ittiin mul'atan miti; inn aarsaa karaa waggaa waggaadhaan utuu gargagar hin citiin dh'effaman sanaa , warra dhi'atan fixaan kan ba'an gochuu matumaa hin dandeenye. Warri Waaqayyoof sagadan

yeroo hundumaaf akka ta'utti al tokkicha dhuguma cubbuu isaanitti utuu qulleeffamiiru ta'ee, cubuun yaada garaa isaaniitti waan hin dangeeffamneef, aarsaa dhi'eesuun ni hafa ture mitii ree? Amma garuu aarsaa waggaa waggaatti ahi'ataniin namoonni cubbuu isaanii ni yaadatu. Dhignii kormaa fi re'ootaa cubbuu namoota irraa fuudhuu matumaa hindanda'u. Kanaaf kiristos gara biyya lafaa yommuu dhufe "Ati aarsaa kennaas hin jaallanne ,garuu dhagna aboomamuu anaaf qopheesiteertta. Ati kennaa galma isa gubamutti aarsaa sababii cubbutiif dhi'atuttis hin gammadne Ib 10:1-6

. Lakka 19. Egaa yaa oboloota ko ! Yesus dhiiga isaa nuuf dhangalaasu isaatiin gara isa hundumaa caalaa qulqulluutti galuudhaaf ija jabina qabna. Inni foon isaatiin karaa haaraa karaa yeroo hundumaa jiraatu golgaa sana keessaa nuuf bane.

Waaqayyo biyya lfaa isa dhufuuf jiru, isa nuyi waa'ee isaa dubbannu haarkaa ergamootaa jala hin galchine. Ib2:3 .

Ib 10:26 Nuyi dhugaa hunnee erga beekne booddee jaallanee beekaa cubbuu yoo hojjenne, aarsaan sababii cubbuutiif dhi'aaatu si'achi hin jiru.

Inni Raawwatameera. Yoh 19:30.

## KARAA HAQA BARUMSA 97[FFAA]

### SII'O OLI

#### Luqa 16

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf fedhuun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a.

Qoodni warra lugnootaa, warra amantii hin qabnee, warra ciggaa'amaa, warra halalee, warra qoricha namatti godhanii, waarra waaqayyooli tolfaman waaqeessanii, warra sobduu hundumaas garuu kuufama ibiddii fi dhagaan boba'u keessaa balbalchu ni ta'a innis du'a lammaffaa dha naan jedhe. Mul 21:8.

Warrii ijoollee mootumichaa ta'uudhaaf yaadaman garuu, dukana isa alaatti ni darbatamu; achitti namonni ni boo'u ilaanis ni qaru, jedhe. Maat 8:12.

Isaan gara adaba bara baraa , warri qajeloonni garuu gara jireenna bara bara baraa ni dhaqu jedhe. Maat 25:46.

Waa'ee abidda bara baraa( Si'ooli) ennuu illee haasa'uu hin jaallattuu. Mata duree isa kan sodaachisuu kana hardha wali wajjiin baranna. Namoonni Si'ooli keessa, yookiin carraan isaani dhuma irratti Si'ooli akka hintaanee, Waaqayyo kitaaba Qulqulluu keessa lafaa bayyeetti akeekkachiseera. Guyyoota itti anan keessa kitaabnii Qulqulluun waa'ee Si'lii maal akka jedhuu ni baranna jechuu dha. Namooni baayeen gara egaree maal akka ta'uu quba hin qaban, dhumni isaanis maal akka ta'uu dhanda'uu hin beekan. Sababiin isaas garaa fayinnaa Waaqayyo qopheesse waan hin beekneefi jechuudha. Akasumas, waa'ee jennataa karaa kamiin jenata akka dhaalamus ni ilaalla. Mee gaaffii tokko haa kaafnu. Namnii tokko Si'oolii irraa akka fayee jeennata akka dhaaluu dhugaatti beeku danda'a laata? Kitaabnii Qulqulluun wa'ee fayyuu keenya amma beeku maal jedha?

Isin maqaailma Waaqayyotti amantan jireenya bara baraa qabaachuu keessan akka beektaniifan kana hundumaa isiniif caafe.1yh 5:13. Kanaaf kitaabnii Qulqulluun fayyuu keenna akka beeknuutti nu barsisa. Kanaaf carraan kee eessa akka ta'uuf danda'uu tilmaamtee ree? Waa'ee

fayyuu kee abdii yoo hin qabaannee taanaan, barnoonni haardha, dhugaa lafa jiruu sitti hima jechu dha.

Gooftaan Yesus yeroo biyya lafaa keessa jiruutti waa'ee Si'oolii fi Jeenata cimsee ni barsisa ture. Garuu immoo irra caalaa waa'ee Si'ooli immoo ciyyeefatee ni barsisa ture.

Amma immoo "Al tokko namichi sooressi tokko ture; innis ufata irraa fi jalaan dhagnatti toluu fi ijatti midhagu gatiin isaa baay'een kan gudate geggedaruudhaaf guyyuma guyyaatti qannootti jirata ture. Deegaan Alaazaar jedhamu nammumaan isaa gutummaatti madaa'e tokko immoo balbala kellaa isaa dura kaa'amee ture. Inni achi cisee hurraa maaddii sooressichaa irraa haarca'ee gatamu illee nyaachuudhaaf ni kajeela ture; saroonni immoo dhufanii madaa isaa in arraabu turan.Lakk.22. Gaafa tokko namichi deegaan sun du'ee ergamoota Waaqayyootiin gara lafa Abrihaam jiruutti geeffame; sooressichis immoo du'ee awwaalames. Qilee keessaas dhiphachaa utuma jiruu ol ilaale,Abraahaamin fagootti, Alaazaarinis isa biratti arge. Kadhataan Alaazaariin yoommuu gara jeenataa dhaquu namichi soreessi maaliif gara lafa dhiphinna, gara lafa dukanaa si'ol dhaqee laata? Kana jechuu hiyyeessa maqaa taateef ni fayitaa, akkasumas maqaa soreessa taa'eef immoo Waaqayyo sitti muraa jechuu miti. Garuu Sababiin Alaazaariin gara Jennataa deemeef waanan dubbii dhugaatiif qalbii isaa keeneefi dha; gama biraatiin immoo namichi soreessi suni immoo dubbii dhugaa Waaqa biraa dhufeef iddoo waan hin keenineef jireenya gadadoo dhaaf saaxilamee innis Si'oolii dha jechuu dha. Namichii soreessii sun fakeenya nama bara kanaatti fakkeeffama; namoonni heedduu adaa amantaa qabaatan malee, Waaqa hin qaban, karaan isaanitiif kan Waaqayyo wal faalleessa. Waaqayyo jiraataa ta'uu isaa ni amanuu, garuu dubbii isaatiif in bulan jechuu dha. Akkuma nama sooreessa sanaa qabeenya walitti qabuu,garuu yaada Waaqayyootiif, namagargaaruudhaaf iddoo hin keenani; kanaaf odoo waa'ee biyya lafaatiin soreessa ta'anii jirani, waa'ee Waaqa beekuutiin hiyyeeyyii dha jechuudha.

Namnii soreessii kun Abrhaam wajjiin haasa'uu dhaaf carraa argatee ture: sooressichis immoo du'ee awwaalames. Qilee keessaas dhiphachaa utuma jiruu ol ilaale,Abraahaamin fagootti, Alaazaarinis isa biratti arge. Achuumaanis yaa abbaa ko Abrhaam naa oo'I; fixee quba isaa bishaan cuphee,arraba koo anaaf haa qabaneessuufis Alaazaarin as anaaf ergi.Anoo ibidda kana keessatti dhiphachaan jira jedhee waammate. Abrhaam garuu , yaailma ko, bar jireenya keetti

carraa gaggaarii akka argatte yadadhu; yommus Alaazaar immoo carraa gaggadhee argachaa ture.Amma garuu inni bal'innatti jira,ati immoo phiphinnatti jirta. Kanahundumaa irratti immoo as gama keenyaa gara keessanitti darbuu warra barbaadan akka hin dandeenyeetti, achiis gara keenyaatti akka hin ceenetti bowwaa guddaan isaan nu gidduu jira ittiin jedhe. Lakka 27. Inni immoo deebisee Egaa immoo yaa abbaa ko, mana abbaa kotti akka isa ergitu sin kadhahda. Anoo obboloota shan nan qaba, isaanis as iddoo dhiphinnaa kana akka hin dhufneef isaan haa akeekkachisu jedhu. Abrhaam garuu ,isaan Museedhaaf I raajoota qabu isaan haa dhaggeeffatan jedhee deebiseef. Inni immoo Waawuu ,yaa abbaa ko Abrhaam, warra du'an keessaa tokko deebi'ee gara isaanii dhaqe yaada garaa isaanii geddaratuu malee jedhe. Lakka. 31. Abrhaam immoo , Museedhaafi raajoota yoo dhaga'uu dhaabaatan , warra du'an keessa, tokko deebi'ee ka'u iyyu dhugaa dha hin jedhan ijjiin jedhe, jedhe.

Egaa seenaan Abrhaamii fi Alaazaariin lafa gara gara ittiin ba'an. Si'oon iddoo dhiphinna waan ta'eef Waaqayyo kanaafi dha, ilma isaa ergudhaan ilmaan Addaam baraaruudhaaf ergeef. Lubbuuni fi foon ilma namaa garba abiddaatti ni darbaman. Kun immoo carraa warra Waaqaa fi raajoota dhaga'uu didani dha.

Namnii maqaan isaa macaafa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti hin argamanis kuufama ibiddaatti gad ni darbatame. Mul'ate 20:15.

Namoonni tokko tokko, yakkamtoonni yeroo muraas erga si'oolitti dhiphatan boodde, garuu Jeenataatti ni deebi'uu jedhani Amanuu; Garuu dubbiin Waaqayyo akkana hin jedhuu:

Maat 25:46 Garuu warri Waaqa didan abidda bara baraatti darbaman jechudha. Akkasuumas kadhanaan warra du'aniif godhamuu kitaaba Qulqulluu keessa hin jiruu. Ibr 9:27 Namoonni al tokko du'uuf kaa'amaniiru; isa boodde immoo fiirditti ni dhi'aatu.

Isaan Waaqa wajjiin jiran kadhannaa hin barbaadan, waaqayyo wajjiin waan jiraniif jechuudha. Namoota Waaqni uumama isaa abidda bara baraatti hin dhiphisuu warra jeedhaniin hin sobamiina, isaan hundeen isaanii Kitaaba Qulqulluu miti. Karaa jaldhinnaa isaani irraa yoo hin deebinee isaanis deebi'ani si'oolitti ni darbamuu jechuudha. Yoo namnii akka barbaadee ta'ee seerii maaliif narbaachisee, egaa waaqayyo ilma namaa uumee lafa irratti dhisuudhaaf uumee jechuudha. Garuu namnii haariiroo gaarii dhaan isa wajjiin akka jiraatuuf seera uumee

jechuudha.Seera kanaanis Waaqayyo uumama isaa wajjiin walii gala jechuudha.Yaadattuu namichi soreessi gaaffii Abrhaamiin gaaffatee, Alaazaariin quba isaa bishaan keessa cuphee arraba ko akka qabaneessuu gara ko naa ergi jedhe gaaffate, garuu aAbrhaam, nutis gara keessan, isiniis gara keenya akka hin dhufneetti nu gidduu dhaa qilee guddaa to jira. Kaaf oduu lubbuu dhaan jiraanuutti Waaqa wajiin haa araaramnuu, isa haa dhageeffannuu, yeroo sana qofa keraa Yesus Kiristos namnii tokko mootummaa Waaqayyo dhala jechuu dha.

Isa cubbuu tokko illee hin qabnee , nuyi karaa isaa qajeelina Waaqayyo akka argannutti nuuf jedhee cubbamaa isa godheera. 2qor 5:21. Yeroo yesusin reeban, dhiphisan, salphisan isafanisani Waaqayyoo caldhisee ture, maaliif gatii cubbuu ilma namaa hundumaa isa irra waan kaa'eef ture.

Waaqayyo namoota kan isaa hin ta'innitti na kenneera, haarka warra jal'ootaa keessas nabuuseera; Iyob 16:9-11. Egaa si'ooli siif qophaa'ee inni akka siif baatatee amantaa? Yoo amatee jireenya bara baraa ni argatta.

Yesus karaa isa dhiphaadhaan ol gala! Karaan gara badisaatti geessu boochoo dha karri isaas baldha dha, namoonni ittiin ol galan immoo baay'ee dha. Karaan gara jireenyaatti geessu rakkoo dha karri isaas dhiphaa dha namoonni isa argatan muraasa jedhe. Maat 7:13-14.

# KARAA HAQA BARUMSA 98FFAA

## JEENATA

## MUL'ATA 21, 22

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf fedhuun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a.

Barnoota dabree keessa waa'ee Si'olii iddoo jaloonni dhiphatan sana ilaallee raawwanneera. Akitaabnii Qulqulluun nuf barsisuu, adabiin isaa dhuma hin qabu, innis Seexanaa fi ergamoota isaatiif qoph'eedha.Carraan nama yesusiin ganee isa kana dha.

Namnii maqaan isaa macaafa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti hin argaminis  kuufama ibidaatti gad ni darbame. Rul 20:15. Kanaaf si'ooliin iddoo haamaata ilmii namaa xiyeefatee ilaalu qabuudha. Haardha kan itti fufnee ilaalluu immoo waa'ee isa abdii warra qajeeloota ta'ee carraa namaa haawwataa ta'ee  waa'ee kan samii irraa Janata bara baraa ni ilaalla.

Waa'ee Jannataa namoonni garaa garaa karaa kamiin akka dhaaluu, ilaalcha garaa garaa ni qabuu. Fakeenyaaf yoo fudhannee, namoonni gara adduunyaa gara bahaatti jiraatan, waa'ee Jeenata heeduu isa dalagaa ilma namaatti maxanee haasa'uu; dalagaa bareedaa namnii hojatee, Jeennata isa Caalaa ni dhaalaa jedhu. Isaanis yommu barsisan, namnii Si'ooli, iddoo nama jal'aaf qophaa'ee keessa dursee erga seenee boodde, gatii cubbuu isaa erga baasee boodde, gara Jeennataa ni seenaa jedhani barsisuu. Namoonni tokko tokko immoo, Jeennatnii lafa Waaqayyo warra qulqullootaaf qopheesse jiruu isaanis immoo achitti lafa bashananii dha  jedhani barsisuu. Namoon heedduu yaada faffaca'ee haadubatan malee, Waaqayyo imoo karaa  kitaaba Qulqulluutiin wanta nuf agarsisuu haardha waliwajiin ni ilaalla. Barsisa namoota odoo hin ta'iin yaada Waaqayyo ni ilaalla jechuudha. Maqaan Jeenata jedhamuu kitaaba Qulqulluu keessa maqaalee heeddu ni qaba. Innis Kan samii, teesuma mootummaa Waaqayyo, iddoo argamuu Waaqayyo, mana Waaqayyo,  iddoo jireennaa Waaqayyoqulqulluu  jiraatu,magaalaa qulqullu,, magalaa Waaqayyo jiraata, Yesrusaalem ksan Samii, mana ergamootaafi hoolicha, iddoo

argamuu gooftaa Yesus fi uulfinna isaa guddaa, mana uummata Waaqayyo isaan kaneen maqaan isaani galmee bara baraa irratti galmaa'e. Gooftaan Yesusis, Jennata " mana abba kiyya" jedhee Waaqame ture. Innis foon uufatee odoo hin dhalatiniin dura lafa jiraatee ture.

Waluumaa galatti, Jennatnin, Iddoo Waaqayyo gooftaan jiraatuu dha. Akka arguudhaaf dandeenyuu, Waaqayyo iddoo hundumaa ni argama; Haatan'uu malee, iddoon addaa fi qulqulluun, gamachisaa, isa namatti toluu,uurjilee gara irraa, Waaqayyo uulfinna isaatiin jiraatu ni jira. Iddoon sun Yesus ilma Waaqa hundumaa Caalaa hanga deebi'ee biyya lafaatti firdii dhaaf dhufutti iddoo jiraatuu dha. Jenatnii, ergamoonnii nakoofsaa ol ta'an, namoota karaa dhiga Yesusitiin fayyan teesuma Waaqayyo marsanii lafa faarfatanii dha.

Seexanni inni isaan gowwoomses kuufama ibiddaa fi dagaa booba'u lafa bineensichii fi raajiin sobduun sun jiranitti gad ni darbatame; isaan baraa hamma baraatti halkani fi guyyaa dhiphifamuuf jiru. Kana boodees teessoo adii gubbaa tokko fi isa teessicha irra taa'e nan argae. Laftii fi Waaqnii fuula isaa duraa ni baqatan, iddoonis isaaniif hin argamne. Warrii du'anis xinnaa fi guddaan teesicha dura utuu dhaabatanii nan arge. Macaafoni ni banamn; macaafni biraa , inni warri jireenyaa argachuuf jiran itti caafaman tokkos ni baname; warri du'an immoo akka hojii dur hojataniitti, akka isa macaafota keessatti caafameettis firdii argatan. Mul 20:10-12.

Mandaratiin gara arfaniin walqixx, hojjaan ishees tokkicha ture. Ergamichis ulee safaraa isaatiin mandaratti ni safare, gara tokkoon ishees kilo meetrii kuma lamaa fi dhibba sadii ni ta'e; hojjaan ishe ol ka'inni ishees walqixee ture. Lakka. 21 karri kudha lamaan gatii jabeeyyi kudha lama toran, karri sunis aduma addaan callee gati jabeessa tokko irraa hojjetaman; karaan mandaratti sanaa warqee qulqulluu isa akka of-ilaalee keessan waa argamu irraa jotame; manni qulqullummaa ishee Waaqayyo gooftaa isa hundumaa danda'uu fi hoolicha waan ta'eef , ani mana qulqullummaa tokko illee mandarattii keessatti hin argine.

Biftuun yookiis ji'i mandarattii irratti ibsuun barbaachisaa miti; ulfinni Waaqayyo if ishee ti! Sabni ifa isheetiin ni dedeebi'u, mootonni biyya lafaas wanta ulfina qabu isaan bira jiru gara isheetti ni fidu. Karri ishees matumaa guyyaa dhaan hin cufaman, halkan immoo achi hin jiru. Lakka.27. Macaafa hoolicha isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman sana

keessatti warri argaman duwwaa malee, wanti xuraa'an tokko illee, warri wanti xiggaasisaa yookiis wanta sobaa hojatan tokko illee achitti hin galan.

Mul 22:1 Kana boodees ergamichi laga bishaan jireenya namaaf keennu, isa bishaan isaa akka cabbie addaatu teesso Waaqayyootti fi hoolichaa biraa ba'u anatti agarsiise. Bishaanichi karaa mandarichaa walkkaa ni yaa'a; lagicha gamaa gamanas muka jireenya namaaf keennu tokkotu dhaabata; muki kun waggaatti si'a kudha lama ija waan godhuuf ji'a ji'aan ija irraa ni argama; baabbi mukichaas saba biyya lafaa fayisuudhaaf ni ta'a. Wanti abaaramaan mandaratti keessa hin argamu; teessoon Waaqayyo fi hoolicha ishee keessatti jira, hojjetoonni isaas isaaf ni hojatu. Isaan fuula isaa arguuf jiru, maqaan isaas adda isaanii irratti argamuuf jira. Halkanis deebi'ee hin argamu; Waaqayyo gooftaan ifa isaanii ta'uuf waan jiruuf ifni ibsaa, ifni aduus isaaniif hin barbaachisu, isaan baraa hamma baraatti moo'uuf jiru.

Waaqayyo magaala namoota Waaqayyoo dhaan filatamaniif isa Qophaa'ee Yohaanisiif ni mul'ise. Ega barumsa keenya isa kan haardha odoo hin golabiin dura, karaa akamiin akka Jenatnii dhaalamuu haa ilaallu. Jennata akka dhaalluu akkamitti beekuu dandeenya laata?

Dubbii Yesus waa'ee fayyinna argachhun keenna beekamuu dubatee yaadataa?

*.Ergasiis ani ilaalee, hoolicha tulluu Xiyoon irra dhaabatee nan argee; namoonni kumaatamni dhibbaa fi kumni afurtamnii arfan, warri maqaan isaa , maqaa abbaa isaattiis adda isaaniittiis caafamee ture, isaa wajjiin turan. Sagalee akka huurisaa bishaan baay'ee , akka gumgummii qaqawwee guddaas Waaqa keessa nan dhaga'e; sagaleen ani dhaga'es waan akka sagalee kiraara gurguuddaa warri kiraara rukutan dhageesisanii ture. Lakka.3 Isaan faarfannaa haaraa fuula teesichaa, fuula uumama lubbuu qaban arfanii, fuula maanguddootaa durattii ni faarfatu; faarfannaa sana immoo warra kumaatama dhibbaa fi kumaatamnii arfan, fiyya lafaa keessaa furaman malee namnii biraa tokko illee baruu hindanda'u. Isaan kun warra dubartoota bira dhaquu dhaan of hin xureesinii dha, isaan qeerroota duudaadha; Warri lafa hoolichi dhaqu hundumaaatti isa duukaa bu'an isaan kana. Isaan kun warra sanyii namaa keessaa Waaqayyo fi hoolichaaf furaman, warra jalqabaati. Sobnii tokko ilee afaan isaanii keessa hin argamne, isaan warra mudaa hin qabneedha. Yoh 14:6 Yesus ani karaa dha, dhugaa dha, jireenya dha waan jedheef gara jireenya Yesus qopheessee*

*sana galuudhaaf karaan isaa duwwaa dha jechuudha. Akkuma iddoo qopheessuudhaaf nan deemaa jedheetti, karaa fannoo isaatti dabree, gatii keenya baasee nu olchee jechuudha.*

*Yesus itti fufee baratoota isaatiin , " garaan keessan hin raafaminii waaqayyootti amanaa anattis amanaa !Yoh 14:1.*

*Fayinnis Yesus kiristos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru; maqaan kan biraa , ittiin fayyuuf kan nuuf ta'uu Waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamn" jedhe. Ho.E 4:12.*

*Waaqayyo tokicha , inni gidduu dhaabatee Waaqayyoo fi nama walittii fidus tokicha, inni immoo kiristos Yesus isa nama ta'ee dha. 1Xim2:5-6.*

Innis gidduu gala ta'ee Yesus karaa fayinaati. Innis daandii gara jireenya bara baraa nama geessuu dha. Nmoota uumaa isaani wajjiin araarsuudhaaf maariiyaam durbee irraa ni dhalate. Inni qulqulluu, Waaqa jabaa, dhignii isaas namoota biyya lafaa hundumaa olchuudhaaf umna qabeessa dha. Isa malees karaan gara biraa gara Waaqayyootti geessu hin jiruu jechuudha.

*Waa'ee karaa nuf banamee kan ibsuu fakeenya tokko mee haa ilaalluu; gandda tokko keessa qotee bulaa tokkotu ture, innis odoo jireenya isaa geeggessaa jiruu, abbaan humnaa tokko dhufee lafa isaati fi qabeenya isaa ni same, qoteebulaan sumis, baayee ni gadde, egaa sammu isaatti gara bulchaa gosa sanaa dhaqee wanta isa mudatee iyyachuuf barbaadee, guyyaa dutuu erga adeeme booddee, masaraa mootichaa bira ni ga'ee, qotee bulaan bosoona keessa jiraatu sun qullaa isaa tu'uu isaa argani waan isa tuffataniis, akka ol hin seenneet isa dhorkan, innis kadhatee, wayyaa bitatee qaama isaas dhiqatee, lamuu gara masaraa deebi'ee ammas, eeyyama waan hin qabneef ol aseenuu hin dandeettuu isa jedhan. Innis baayee gaddee, morma isaa bufatee odoo taa'aa jiruu; mooticha karaa irra ta'ee taa'ee isa fagootti argee, ilma isaa rguu dhaan qotee bulaan sun maal akka rakatee deemiti gaafadhuuni jedheen, ilmii mootichaas, dhufee qotee bulaa sana maal akka barbaaduu isa gaafatee, innis mooticha biraa iyyadhuudhaaf seenuu barbaadee garuu waardiyyoon nadhoorkan jedhee isaaf haala jiruu barsisee. Ilmii mootichaas, ani ilma isaati, nafaana kottuu jedheeni innis isaa faanaa dhaqee, Waaqdiyyoon balaballa masaraa mootummaa eganis amma karaa ilmaatiin waan dhufeef ulfinna guddaadhaan isa simatan.*

*Namnii Kiristos Yesusitti amanuu dhaan fuula Waaqayyo duratti qajeelaa ni ta'a; Kana irrattis warra amanan hundumaaf garaa garumaan hin jiru. Rom 3:22.*

*Guutummaan Waaqayyuummaa namuummaa kiristos keessa ni jiraata.Qola 2:9.*

# KUTAA ARFAFFAA BARUMSA 99FFAA

# WAA’EE YESUS MAAL YAADDUU?

# GAREE 1FFAA

Barnoonni 99 fi 100 Barsisa nama C.R. Marshi, nama guddaa kitaaba injiil gara Afaan Araabaa lugaalee garaa garaatti hikee irraa fudhatameedha.

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf fedhuun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda’u isiniif haa baayyatu. Milkaa’a.

Karaa Haqa isa Waaqayyo qopheesse akkasumas karaa raajoota garaa garaatiin dubataman, kitaaba qulqulluu keess yeroo dheeraa fudhanne ilaalle turre. Kana keessas, dubileen raajoota karaa masihichaatiin  akka raawwatamanis agarree turre. Innis ennuu akka ta’e haardha immoo itti fufnee ni ilaalla. Waa’e masihicha Yesus maal yaaddu?

Wangeela keessa yommu barannuu Yesus Waa’ee Kiristos maal yaadduu?  Inni ilma enyuuti jedhee  gaaffatee ture. Maat 22:42. Gaafiin kun baayee murteessaa Waan ta’eef hundi keenya beeku ni qabna. Caraan keeny isa kan bara baraa haala gaaffii kana  deebisnuu irra ni hundeeffama. Hardhas gooftaan Yesus aludhuma isaan gaaffatee sanaan isin, ana ni gaaffata jechudha. Egaa atis waa’ee Yesus  maal yaadda?

Kaayoon keenyas yesus enyuu akka ta’ee siif ibsuudha. Kana malees enuunillee isin akka in sobneefi dha. Wnti xiyyeeffachuu qabnuu, Yesus, ergamoota keessaa tokko miti, inni nama gaari saba sana keessa tokko miti. Inni gara irraa isaan hundummaa, burqaa ogummaa isaanitii fi humna isaaniti. Inni addaa fi ammas taanaan egareetti tokko illee kan isa fakkaatuu hin jirreedha.

Kutaalee itti anan keessatti kaafilee 10 waa’ee masihichaa kaneen  gaafachuu qabnuutu jiran.

1. Waa’ee dhalachuu dinqii isaa maal yaadda?

Karaa kanaan takkaa namnii tokko illee dhalatee hin beeku. Innis Yesus ilma Maariyaam durbee dha. Yohaanis cupphaan ilma Zakaariyaas, Sooloomoon immoo ilma Daawiit,, akasumas immoo Ismaa'el immoo ilma Abrhaam akka jedhamee ni yaadataa ta'a. Namnii maqaa isaatti maqaa abbaa isaa ni kaa'aa yookiin abbaa isaatiin ni waamama. Gara Yesus yommu dhufnutti immoo, Yesus maqaa isaati maqaa haadha isaatuu dabalamee yookiin Yesus haadha isaatiin ni waamamee, kunis abbaa fooni waan hin qabneef ture. Inni durba irraa ni dhalatee, humna Waaqayyotiin ni dhalatee. Waggaalee dhibba torba duraa raajiin Isaayaas waa'ee dinqiidhaan dhalachuu Yesus raagee ture.

Kanaafis Waaqayyo ofii isaatii milikkta siniif ni keenna; kunoo, durbi ni ulfoofti, ilmas ni deesi,, maqaa isaas 'Amaanu'el jechuu nis Waaqayyo nu wajiin jiraa jechuudha.( Isaa 7:14, Maat 1:23).

Waaqayyo abduroo keenya Addaami biyyoo irraa ni uume. Akuma raajoota hundii keenya sanyii Adaamii dha. Biyyoo irraa ni uumamne.Haa ta'u malee Yesus immoo Waaqa iraa dhufee. Cubbuu keenya iraa kan ka'ee hundii keenya biyyoo taane, Yesus immoo akka rooba waaqa irraa gad roobuu dha. Inni qulqulluu adii dha, akuma Waaqayyo qulqulluu adii ta'eetti jechuudha.

Dubbiin Kiristos Yesu cubbamoota fayyisuudhaf gara biyya lafaa dhufe jedhu, amanama dha; gutuummaatti fudhatamuunis ni ta'aaf; warra cubatmootatti lakkaa'aman sana keessaa immoo ani isa duraati.Odoo gara biyya lafaa hin dhufiniin dura, yesus abbaa isaa bira ture, sababiin isaas,inni sagalee Waaqayyo Waan ta'eef ture. Foon ufachuu dhaan cubbuu keenya hundumaa irraa nu olchuu dhaaf dhufe.

Mee namoonni lmaan boolla gad fogoo dhoqee keessa yoo kufan, inni tokko isa kaan nagargaarii yoo jedheen, namichi akka isaa dhuqee keessa kufee mee maal jedhee deebisaaf laata? Jarrii lachuu dhoqeedhaan waan qabamaniif, isaan gara irraa isaani rraa gargaarsa bi barbaadu. Kan isaan gargaaruudhaaf danda'uu isa akka isaani dhoqqee keessa nam hin kufnee qofaa dha.

Raajoonni kanaaf ga'aa miti, qolqulloonni kana gochuudhaaf ga'uumsa hin qaban. Yesus qofa, isa durba irraa dhalatee qulqulluun dhoqee cubbuu qabamnee irra nu olchuu ni danda'a.

2.Gaafi lammaffa, Waa'ee amala isaa, karaa haqa inni jiraatee maal jetta. Maal yaadda ree laata?

Innis qulqulluu dha cubbuu tokko illee hin hojjanne. Qalbii isaa gadaree hin beeku. Dogoora tokko illee hin hojjannee jechuudha. Ilmii namaa isaan Waaqa sodaatan qalbii isaani ni geedaruu, dhifamas ni gaaffatu. Raajoonnis, dhifama ni gaaffatu. Kitaaba Qulqulluu keessa iddoo tokko ollee Yesus cubbuu dalageeraa isa jedhuu hin argannu. Hojiin isaas adda dha.

3.Gaaffiin inni itti annu immoo Waa'ee dubbii isaa maal yaaddaa? isa jedhuu dha. Guyyaa tokko dinoonni isaa isa hidhuu dhaaf looltoota ergan. Isaanis, barsisa isaa erga dhaga'ani booddee odoo isa hin qabini gara warra isa erganitti deebi'an. Yoh 7:46.

Yesus ammas namootatti dubatee, " ani ifa biyya lafaati namnii ana dukaa bu'u ifa jireenya ni qabaata malee, dukana keessa hin adeemu" isaaniin jedhe. Raajoonni akka ji'a dukana keessa liqiimfamani dha, Yesus garuu akka aduu dha. Raajoon isaan ji'atti fakkeeffaman, aduu isaa yesus irraa ifa ni barbaadu.

Isin warri maqaa koo sodaataniif garuu aduun qajeelummaa inni qarri isaa fayyina of keessaa qabu isiniif niba'a akka jabbii goorana keessaa ba'ees gad baatanii inburqa, Miliiyaa 4:2.

Yesus ani karaa, dhugaa fi jireenya dha jedhe, Yoh 14:6. Inni barsisoota seera irraa adda dha, isaan kana hojadha jedhani qajeelfama keenan malee hin jiraatan. Garuu Yesus immoo karaa hin agarsusuu inninuu Karaa waan ta'ee, waa'ee dhugaa qofaa hin barsisuu ininu dhagaa waan ta'eef.

Gurbaan tokko magaalaa isaa irraa bade yoo karaa walaalee jedhee, ergasi immoo gara polisii dhaqee yommuu gaaffatee, polisichi immoo isa gargaaruu dhaaf , qajeeli deemii, argasii immoo gara bitaa yookiin aga miraa caafamii jedhaan, Yesus garuu akkas miti, inninuu karaa waan ta'eefi dha. Yesus anamalee ennuu illee gara abbaatti deemuu hin danda'uu. Yoh 14:6.

4. Gaafiin inni arfaffaa ufii keenya gaaffachuu qabnu, Waa'ee hojii dinqii Yesus hojatee maal jettu?

Yesus waan hundumaa dalaguu ni danda'a, humnii hundumaa fi angoon hundumaa isaaf keenameera. Yesus hojilee Waaqayyo hojatee hundumaa lafa irra hojateera. Killeensa jaba dubbii isaatiin dhaabeera; Akuma Waaqayyo, nama du'e gara lubbuu isaa deebiseera, kana Waaqayyo malee hojjachuu hin danda'u. Waaqayyoon malee, jaamaa ennuu tu bana ree? Yesus garuu baneera. Dhibee hundumaa irraa namoota fayiseera. Maat 5:22. Ka'I ti siree kee

baadhadhuu adeemi jedhee Yesus nama dhibamaa sana ajajee, innis siree isaa baatatee ka'e. Luq 5:22.

Namnii Alaazaar jedhamuu du'ee awwaalames. Yommu Yesus bulti afuur booddee achi ga'utti, Alaazaar awwaalamee ture. Yesus gara iddoo awwaalaa dhaqee, alaazaar ba'I jedhe, reefis dubbii yesus dhag'ee ba'e. Yoh 11:43. Yesus itti fufee du'aa ka'uni fi jireenyii ana Yoh 11:25. Haardhas Yesus jireenya kee isa du'ee bade jijjiiruudhaaf danda'aa dha.

5. Waa'e maqaa isaati fi angoo isaa maal yaada?

Raajoota keessa akka argineetti Yesus maqaalee dhubbaan lakka'aman ni qaba. Amaanu'el, dubbii Waaqayyo, ilma namaa, hoolaa Waaqayyo, fayisaa, bideena jireennaa, Wayinii dhugaa, tiksee gaarii, ibsaa biyya lafaa,, gooftaa ulfinna, du'aa ka'uu, isa jalqabaa fi isa dhumaa, alfaa fi omega, karaa, dhugaa, jirrnya, akkasumas ilma Waaqayyo jadhame waamameera.

Museen, nama Waaqayyo jedhameera, Abrhaam immoo jaala Waaqayyo jadhameera. Garuu nama tokko qofa ilma Waaqayyo jedhame. Maat 17: 5. Waaqayyo jechuun maal jechuudha? Ilmi gaadisa abbaati, ilmii ibsaa abbaa isaa calaqisa. Ennuu illee Waaqayyoon hin agrinee isa harka kan jiruu ilmii isaa garuu isaa ibse. Yoh 1:18.

Maat 22:42 Egaa waa'ee Yesus maal jetani, maal isinitti fakkaata?

Guutummaan Waaqyyummaa namummaa kiristos keessa ni jiraata. Isinis isuma warra bantii Waaqaa keessatti gooftummaa qabanii fi aboo qaban hundumaaf mataa ta'e sanaan gara gutuummaa jireenyaa dhuftaniittu.Qol 2:9-10.

## *KARAA HAQA BARUMSA 100FFAA*

## WAA'EE YESUS MAAL YAADUU LAATA?

## GAREE 2FFAA

Barnoonni 99 fi 100 Barsisa nama C.R. Marshi, nama guddaa kitaaba injiil gara Afaan Araabaa lugaalee garaa garaatti hikee irraa fudhatameedha.

Maqaa Waaqayyootiin, gooftaa nagahaa, namni hundii karaa haqa akka beeku fi waaqa isaa wajjiin bara baraan nageenya dhugaatiin akka jiraatuuf fedhuun, nagaa isiniin jenna, nageenyii gooftaahundumaa danda'u isiniif haa baayyatu. Milkaa'a.

Haardha kan itti hufnuu gaafi isaa torbaan gaafanee gaafachuudhaan ta'a, waa'ee Yesus Maal yaaddu? Gutumatti waa'ee Yesus waan baranuuf gaafiin kun baayyee murteessaa dha. Gaaf duraa, waa'e amala Yesus, haasaa isaa dinqiiwwani, waa'ee humna isaatii fi maqaa angoo qabeessa ta'e, durba irraa dhalachuu isaa kaasnee ture.

Haardhas waa'ee gaafilee kanaa itti fufnee ilaalla.

6. Haardhas gaafi murteessaa isa jahaffaa ni kaasna, waa'ee du'a Yesus maal yaadda?

Isa akka dunuu beeknaa laata? Haal akkamiin akka dunuu beeknaa laata? Yoomitti akka dunuu beeknaa laata? Kanaaf hundii keenya waa'ee kaninii akka hin beeknetti fudhachuu qabna. Inni akka keenyaa miti. Inni essa akka du'u, yoomitti akka du'u, akkamitti akka du'u ni beeka ture.

Yesus ergasii baratoota kudha lamaan kophaatti fudhatee, kunoo gara Yerusaalemitti ol ba'uu keehya, waa'ee ilma namaatiif raajootaan kan caafame hundinuus ni raawwatama.Isa ni reebu, ni ajeesus, inni immoo guyyaa sadaffaatti du'aa ni ka'aa isaaniin jedhe. Luq 18:31-33.

Akkasumas, baratoota isaatiif yoomitti akka du'u, isa Yihuudoonni isa ajeesan isaanitti hime. Guyyaa faasikaatti isa akka ajjeessan jechuudha. Wanti du'a Yesus adda taasisuu, inni feedhii isaatiin du'uu isaati.

Yesus immoo deebisee , seexanni akka bakakkaa Waaqa keessaa bu'uutti utuu inni kufuu arge. Yoh10:18. Yesus cubbuu ta'aa hojatee hin beeku kanaaf turee kan inni du'a moo'ate. Odoo hin du'iin gara abbaa isaa ol samittii deebi'uu ni danda'a ture. Garuu fanifamee du'u filachuudhaan abbaa isaatiif ajajamuu isaafi jaalala cubbamootaaf qabuu agarsise. Namoonni isaa akka ajjeessan isaan dhisuudhaan faniifame nu ajjeesse. Tarkaanfii kanaan datii cubbuu keenyaaf nu baase.

Inni garuu balleessaa keenyaaf ni waraaname,, sababii yakka keenyaafis reebame ni caccabsame, nuyi nagaa akka arganuuf inni ni adabam, madaa'uu isaatiinis fayyinni nuf ni argame; Nuyi hundumti keenya akka hoolotaa karaa irraa badnee turre, adduma addaansi kar-karaa ni gore; Waaqayyo garuu yakka hunduma keenyaa isa irra ni kaa'e. Isaa 53:5-6. Seenaa adunyaatti namnii akkanaa takka argamee hin beeku, feedhii isaatiin lubbuu isaa kan keenne.

7.Gaafiin murteessaa inni kan biraa kan ufii keenya gaaffachuu qabnu, Yesus du'a waa'ee mo'achu isaa maal yaadda? Du'aa waa'ee kaafamu isaa maal yaadda?

Yesus du'e awwaalames. Dinoonni isaas isa ittisuudhaaf waanuma danda'an hundumaa raawwatni turan. Balbala awwaalichaas dhakaa guddaadhaan cufani, chaappaa itti tumani turan. Garuu dadhabbiin isaani hundii Yesus boolla keessa akka ture hin gonnee, kanaaf yaadnii isaani karaatti haafe jechu dha. Akkuma inni dubateetti bulti sadaffaatti du'aa ka'ee aarsaa dhugaas isa biyya lafaa hundummaa olchuu ni ta'e. Humnii dhiiga isaa hamma ammaati hi fayisa.

Dinni ilma namaa inni guddaan du'a dha. Abodureen keenyaa du'an, raajoonnis, du'ani, lafeen isaanis hamma ammaatti biyyo keessa ni jira. Nutis karaa isaan dabran keessa ni dabrina. Galanni gooftaaf haa t'uu Yesus du'a moo'atee ka'e jira.

7,Waa'ee du'aa kaafamu isaa maal yaadda? Du'aa erga kaafamee booddee bultilee 40 gooftaan Yesus barttoota isaatiif ni dhul'ata ture. Deebi'es gara abbaa isaaulfinaan akka adeemuu baratoota isaatiif yaadachisaa ture.

Kanaafis Waaqayyo waan hundumaa irraa caalchisee guddaa isa ol qabe; maqaa isa maqaa kam irraiyyuu kenneraaf. Kanaanis warri banti Waaqaa keessa jiran , warra lafa irraa, warra lafa jala jiranis hundinuu ulfinna isaatiif jilbimfatanii akka sagadan godhe. Arrabnii hundinuus ulfinna Waaqayyo abbaatiif , Yesus Kiristos gooftaa akka ta'e beeksisuuf jiru. Filiph 2:9-11.

*Inni guddaa guddaa adda dha. Ameen. Gaafiin ufii keenya gaaffachuuf qabnu inni itti anu.*

9. Waa'ee deebi'ee dhufu isaa maal yaaddaa?

Yesus deebi'e ni dhufa. Innis waa'ee kana, raajoonnis waa'ee kana, ergamoonis waa'e kana labsani turan. Duka butoonni dhugaa ta'an hundunuu lammaffaa deebi'uu yasusi ni egu. Yeroo deebi'e dhufu kan isaa ta'an gara samitti fudhe deema. Biyya lafaa haqaan itti farada and haqaanis biyya lafaa bulcha. Innis mooti biyya lafaa ni ta'a. Hamma dinoonni milla isaa jala kufanitti waggaa kuma tokko biyya lafaa ni bulcha. Namoonni hundinuu inni mooti moototaa gooftaa gooftootaa akka ta'ee raga ni ba'u. Mooti guddaa kana dura atis firdiidhaaf ni dhabbatta. Yeroo ati firdii dhaaf isa dura fulaa fulatti dhaabbattutti, akkana jedhee si gaaffata, " waa'ee koo maal jette? Yeroo jalqaba waa'ee koo maal yaaddaa? jedhee gaaffatee ture. Amma immoo, maal yaaddee turtee? Sin jedha. Egaa deebin kee maal ta'a laata? Yoo deeniin kee ergamoota yookiin, raajoota keessaa tokko yoo ta'ee , waan isaan waa'ee koo dubatan maaliif hin amannee sin jedha jechuu dha. Anis wanta waa'e koo dubbadhee, raajoonis wanta waa'ee koo raajan waan hin amaneef sitti murama sin jedha, yeroo sana carraan lammaffaa hin jiruu, ammuuma carraa waaqayyo siif keenneetti gargaarami.

10. Gaaffiin inni xumuraa immoo wanta si irraa eggamuu maal yaadda? Isa jedhuudha. Waaqayyo ati maal akka hojjattuu sirraa barbaada? Jechuu dha. Maat 11:28-29, Yesus itti fufee " Isin warri itti dhamaatani dadhabdan, ba'aanis kan isinitti ulfaatu hundinuu gara koo kottaa, ani boqoonnaa isinfan kenna. Waanjoo koo fudhadhaatii baadhaati, baadhaa ana irraas baradha anoo garraamii dha kanan gad of deebises; boqonnaas lubbuu keessaniif ni argattu. Haardha Waaqayyo siif waamicha siif godhaa jira. Barattoonni isaa yommu, yeroo duraa isaan waameetti, hojii isaanii, qabeenya isaanii, maatii isaanii hundda dhisanii isa hordoofanii turan. Kana jechuun, maati kee jibbii jechuuu odoo hin taane, onnee kee keessatti, Waaqa tokkoffaa godhii jechuu dha. Inni waan hundummaan, adda dha, dhaloonni isaa, ammallii isaa, hojiin inni hojjatu hunddii adda dha.

Yesusiin akka raajii qofaa, akka nama haqa qofaa fudhachuun ga'aa miti, garuu inni Waaqa waaqootaa akka ta'ees beekuun murteessaa dha. Bakka kee inni arsaa waan ta'eef isatti amanuu dhaan walbuummaa cubbuu fudhachuu ni dandeetta jechuu dha,

Akkana jette gaaffachuu dandeetta, aaraara Waaqayyo karaa kamiin argachuu danda'aa jette gaaffachuu dandeetta? Baayyee salphaadha, cubbuu kee Waaqatti himadhuu, dadhabaa to'u keetis hudhadhu, kana yoo gotee, inni maaliif karaa fayinnaa akka salphisee siif iffa ni ta'a.

Egaa nama kan ta'e tokko illee wanta seerrii nama irraa barbaadu gochuudhaan Waaqayyo duratti qajeelaa hinta'u. Seerrii cubbuu maal akka ta'e nam hubachisa. Amma garuu karaa seerichaa utuu hin ta'in karaan inni namnii qajeelaa ta'u Waaqayyo mul'ateera. Seerii fi raajoonni dhugaa kanaaf raga ba'ani jiru. Namnii Yesus kiristositti amanidhaan fuula Waaqayyo duratti qajeelaa ni ta'a; kana irrattis warra amanan hundumaaf garaa garuumaan hin jiru. Lakka 23. Hundinuu yakkaniru ulfinni Waaqayyos isaan irraa hir'ateera. Isaanumti immoo ayyaana Waaqyyo isa karaa furii Yesus Kiristos tola isaaniif keennameen, qajeeloota ni ta'u… Lakka 27. Egaa maaliin of jajna ree? Waan ittiin of jajnu tokko illee hin qabnu. Seera maalitiin dhabna? Akka abboommii seeraatti jiraachuudhaan male. Roome 2:8-9, dhiphinni fi gidraan lubbuu nama hamaa godhu hundumaatti ni dhufa, kuinis duraan dursee,nama Yihudii irratti, akkasunas nam yihuudii hin taaneetti ni dhufa. Waaqyyo fayisaa cubbuu hin qabnee erguu isaatiif isa haa galateeffannu. Kana malees, Gara fayyinni karaa isaatiin qophaa'etti haa amannu.

Isaan immoo gooftaa Yesusitti amani, ati ni fayitaa, maatiin kees ni fayyu, jedhanii deebisaniif. Ho.E 16:31.

Isin akka hin gufaannetti Waaqayyo isin eegu, mudaa malee gammachuudhaan ulfinna isaa dura isin dhaabachisuu ni danda'a. Waaqayyo fayisaa keenya Yesus Kiristos ulfinni gudinni, aangoon,gooftummaanis lakkaa'amu baraa fuula duraa jalabee, ammas, bara baraanis haa haa ta'u. amen. Yihuuda 24-25.